www.abyssinialaw.com

Seera Yakkaa

Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

Bara 1997

www.abyssinialaw.com

Dhaabbata Maxxansaa Birhaaninnaa Salaamitti Maxxanfame

www.abyssinialaw.com

Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

Bara 1997

www.abyssinialaw.com

Labsii Lakkoofsa 414/1996

Seera Yakkaa Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

Seensa

Seerri Adaba Yakkkamaa bara 1949 bahe hojiirra ooluu erga jalqabee gara jaarraa walakkaatti siqee jira. Yeroo kana keessattis jijjiiramni bu'uuraa kan siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa Itoophiyaa keessatti taasifamanii jiru. Kanneen keessaas, wal qixxummaan amantii, sabaa, sablammootaafi ummattotaa, mirgaafi bilisummaawwan dimokiraasummaa lammiileefi jiraattotaa, akkasumas mirgi namoomaa, keessumattuu, mirgawwan kutaalee hawaasaa kan akka daa'immaniifi dubartootaa waliigalteewwan addunyaalessaa Itoophiyaan fudhatteefi heera mootummaatiin beekamtii argachuun isaanii adda durummaan kan tuqamuu dandaa'anidha. Jijjiirama kana hunda booda raawwiin seera adaba yakkamaa bara 1949 akka itti fufu taasisuun fudhatamummaa hin qabu.

Qaawwaan Seera Adaba Yakkamaa duraanii irratti mul'atu inni biroon yakkoota guddinni teeknooloojiifi haala walxaxaa jireenyi hammayyaa fide qixa barbaachisaa ta'een hammachuu dhabuu isaati. Kanneen akka uggura xiyyaaraa, yakkoota kompitaraafi maallaqaafi qabeenya sababa yakkaatiin argame seera qabeessa fakkeessuun dhiyeessuu (money laundering) kan fakkaatan Seerri Adaba Yakkamaa duraanii kun kan hin ilaalle ta'uu isaati. Kana malees, yakkoota malaammaltummaafi baala sammuu namaa adoochan waliin wal qabatanii yakkoota raawwataman ilaalchisee, yeroo ammaa rakkoo cimaa geessisaa waan jiraniif, biyya keenyarra darbee sadarkaa ardiifi addunyaalessaatti gama bahiinsa seeraatiinis ta'e hordoffiitiin xiyyeeffannoo kan argatan ta'anii kan mul'atan yoo ta'anis yakkoonni kun sadarkaa yaaddessummaa isaaniitiin Seera Adaba Yakkamaa duraanii keessatti haala gahumsa qabuun hin hammatamne.

Dhimmi callisaan bira darbamuu hin qabne kan biroo, gochoonni barmaatilee boodatti hafoo ta'an dubartootaafi daa'imman irratti miidhaafi dararama olaanaa kan geessisan ta'uu isaanii Seerrii Adaba Yakkamaa duraanii beekamtii kennuu

dhabuu isaati. Dhugaadha; aadaan ummattootaa akka kabajamu heerri mootummaa ni tuma. Barmaatilee miidhaan isaanii saayinsiin mirkanaa'e garuu Heerri Mootummaa hin deeggaru. Akkasumas, seerri ummattoonni itti hin amanneefi hin deeggarre yeroo hedduu hojiirra waan hin oolleef seera akkasii baasuun faayidaa akka hin qabne dhugaadha. Haata'u malee, yeroo tokko tokko qaamni seera baasu seera hammayyaa baasuun hawaasa barsiisuufi hogganuun aadaa miidhaa geessisan irraa akka of qusatu taasisuun adeemsa falaasama qophii seera yakkaatiin deeggaramudha.

Kana malees, tumaaleen seera yakkaa seerota Gaazexaa Nagaariitaa adda addaa keessatti bibittinnaa'anii jiran hanga danda'ametti iddoo tokkotti walitti qabuun seera waliigalaa baasuun ni deeggarama. Akkasumas, Seerri Adaba Yakkamaa idileefi Seerri Adaba Yakkamaa addaa fooyya'ee bahe dhimmoota wal fakkaatan irratti wal cinaa akka hojjetu taasisuun wal qixxummaa lammiilee hubannoo keessa kan hin galchine waan ta'eef, seerri yakkaa waliigalaa tokko jiraachuun isaa hojmaanni akkasii akka hafu ni taasisa.

Hanqinaalee armaan olitti ibsaman hambisuun seera yakkaa guutuu ta'e baasuuf kutaalee biyyattii hundatti sochii olaanaan taasifameera. Wixinee seera yakkaa Ministeera Haqaafi Inistiitiyuutii Haqaafi Qorannoo Sirna Seeraatiin qophaa'an irratti mareen taasifameera. Ogeessonni seeraafi fayyaa, ogeessonni wallaansa sammuu, dhaabbileen barnootaa adda addaafi waldaaleen ogummaa yaada kennuun bahiinsa seerichaaf gumaacha olaanaa taasisaniiru. Ummattoonni biyyattii Finfinneefi naannoleetti damee hojii hundaafi waldaalee isaanii irraa bakka bu'oota isaanii erguun walga'iiwwan bakka adda addaatti gaggeeffamaniin wixineewwan seerichaa irratti yaadawwan faayidaa qaban dhiyeessuu danda'aniiru. Yakkoota kanneen akka butii, dirqisiisanii gudeeduufi hanna cimaa irrattii adabbiin isaa kan cime adda durummaan yaada ummataa bu'uura godhachuunidha. Kana malees, qabiyyee seera yakkaa kana gabbisuuf yaadawwan beektota seeraafi seeronni biyyoota alaas ta'e muuxannoowwan jiran sakatta'amanii jiru.

Dhuma irrattis qabxiin osoo hin tuqamiin bira hin darbamne dhimma akkaataa murtiin adabbii itti kennamuuti. Manneen Murtii dhimmoota walfakkaatan irratti adabbii walfakkaataa karaa itti murteessan mijeessuun barbaachisaa waan ta'eef tumaalee seerichaa irratti jijjiiramni gurguddaan tokko tokko taasifameera. Tumaaleen seera yakkaa kenniinsa murtii adabbii walxaxaafi rakkisaa godhan akka fooyya'an taasifamaniiru. Manneen murtii dhimmoota salphaa ta'an irraa hanga isa cimaatti haala of eggannoo qabuun qoratanii tokkoon tokkoon dhimmaatiif murtii adabbii barbaachisaa ta'e murteessuuf tumaan isaan dandeessisu keessatti hammatameera. Akkaataa sirrummaa murtii adabbiifi walfakkaatummaa isaa mirkaneeessuufis ta'e to'achuuf kan dandeessisu qajeelfamni (hujeeka) akkaataa murtii adabbii akka bahu ni taasifama.

Akkaataa murtiin adabbii ittiin murtaa'u waliin wal qabatee qabxiin ka'uu qabu kaayyoon seera yakkaa nageenyaafi tasgabbii hawaasaa eeguu ta'uu isaati. Hawaasicha kan eegus yakki akka hin raawwatamne ittisuun yoo ta'u, kanas karaa galmaan gahu keessaa tokko adabbiidha. Raawwattoonni yakkaa adabamuun isaanii akka yakka biraa raawwachuu irraa of qusatan isaan taasisa. Gara fuula duraattis namoota yakka raawwataniifis akeekkachiisa ta'a. Gama yakkoota muraasaatiin adabbiin hidhaa yookiin du'aa kan raawwatamu yoo ta'es yaanni inni duraa balleessitoonni yeroodhaaf yookiin itti fufinsaan hawaasa irratti yakka akka hin raawwanne ittisuudha. Akkas yommuu ta'us, adabbii du'aa irraa kan hafe balleessitoonni adabbiin hidhaa umurii guutuu itti murtaa'e yoo ta'anillee adabbii isaanii osoo hin fixiin korooraan gadi lakkifamuu ni danda'u. Gama yakkoota tokko tokkootiinis murtiin adabbii osoo hin kennamiin yookiin adabbiin yoo murtaa'es osoo hin raawwatamiin balleessitoonni daangaadhaan gadi lakkifamuu ni danda'u. Kunis balleessitoonni jireenya nagaa akka gaggeessan kan taasisu yoo ta'u; seerri yakkichaa balleessitoonni badii isaaniirraa akka barataniif iddoo olaanaa kennuu isaa agarsiisa. Balleessitoonni yommuu mana sirreessaa jiranillee hidhamanii akka dararaman taasisuu mannaa, mana sirreessaatii yommuu bahan hojii ogummaa adda addaa isaan fayyaduun akka leenji'aniifi barumsa qalamaa akka baratan taasisuun haaromsa balleessitootaaf tilmaama guddaa seerri yakkaa kun qabu kan mirkaneessudha.

www.abyssinialaw.com

Seerri yakkaa kun waa'ee dhimmoota kanaa ifatti tumuun isaa manneen murtii adabbii yommuu murteessan kaayyoo seerichaafi galma adda addaa adabbii tilmaama keessa akka galchan yaada keessa galchuun akka ta'e beekamuu qaba.

Yaaliin cimaan kun hundi taasifamee seerri yakkaa fooyya'e kun mootummaan biyyattiifi sirni ummattoota isaa, nageenyiifi tasgabbiin isaa, akkasumas, mirgiifi bilisummaan lammiileefi jiraattotaa kabajamuu isaa akka mirkaneessu itti amanama.

Seerri yakkaa kun guddina dinagdee biyyattii ariifachiisuuf kan dandeessisuufi sirni gabaa bilisaa tasgabbaa`aa ta'e akka cimu taasisuurra darbee biyya keenyatti sirni haqaa sirrii ta'e akka diriiru kan deeggaru ta'uun isaa waan itti amanameef bu'uura Heera Mootummaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keewwata 55 (1) fi (5)tiin kan kanatti aanu labsameera.

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa bara 1996" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2.Seerota Haqaman

Labsiiwwan armaan gadii**:**

a. Seerri Adaba Yakkamaa Mootummaa Mootii Moototaa Itoophiyaa bara 1949 bahe;
b. Seerri Adaba Yakkamaa Addaa fooyya'e Mootummaa loltuu Yeroofii bara 1974 labsii lakkoofsa 214/1974tiin bahe Caamsaa guyyaa 1 bara 1997 irraa eegalee haqamaniiru.

3.Haala Addaa

Seera kana keewwata 3 jalatti akka tumametti raawwatinsi seerota addaafi dambiilee addaddaa akka eegamettidha.

www.abyssinialaw.com

4.Guyyaa Labsiin Kun Itti Ragga'u

Seerri Yakkaa kun kitaaba addaa ta'ee Labsii Lakkoofsa 414/1996, Gaazexaa Nagaaritaatti maxxanfamee guyyaa bahe Caamsaa 1 bara 1997 irraa eegalee kan ragga'e ta'a.

Finfinnee; guyyaa ……..bara 1997.

Girmaa W/Goorgis

Pirezidaantii Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

Seera Yakkaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

www.abyssinialaw.com

Kutaa Guddaa Jalqabaa

Kutaa Waliigalaa

Kitaaba Tokkoffaa

Yakkootaafi Raawwataa Yakkaa

Mata Duree Tokko

Seera Yakkaafi Daangaa Raawwii Isaa

Boqonnaa Tokko

Daangaa Raawwatiinsa Seerichaa

Keewwata 1. Kaayyoofi Galma

Kaayyoon Seera Yakkaa, faayidaa waliigalaatiif jecha nageenya, tasgabbii, sirna, mirgaafi faayidaa mootummaa, ummataafi jiraattota biyyattii eeguufi mirkaneessuudha.

Galmi Seera Yakkaa yakki akka hin raawwatamne ittisuu yommuu ta'u kanas kan dhugoomsu waa'ee gochoonni yakkaafi adabbii isaanii dursee akeekkachiisa kennuun, yommuu akeekkachiisichi gahaa hin taanettis raawwattoonni yakkaa adabamanii yakka biroo raawwachuurraa akka of qusataniifi kanneen birootiif barumsa akka ta'an yookiin akka sirreeffaman taasisuun yookiin yakkoota dabalataan akka hin raawwanneef tarkaanfilee akka isaanirratti fudhataman taasisuunidha.

Keewwata 2. Qajeeltoo Seerummaa

1. Seerri Yakkaa waa'ee yakkoota addaddaafi adabbiileefi tarkaanfilee of eeggannoo yakkamtoota irratti raawwatamanii tarreessuun ni tuma.
2. Manni murtii gocha yookiin gochuu dhabuu seeraan alummaan isaa seeraan hin tumamne akka gocha yakkaatti lakkaawuufi adabbii itti murteessuu hin danda'u.

www.abyssinialaw.com

Manni murtichaa kanneen seeraan tumaman malee adabbiileefi tarkaanfilee biroo murteessuu hin danda'u.

3. Yakkoota seera irratti tumaman waliin wal fakkaata jechuun gochuu yookiin gochuu dhabuu yakkummaan isaa ifaan hin tumamne manni murtii akka yakkaatti lakkaawuu hin danda'u.
4. Tumaaleen armaan olitti ibsaman manni murtii seericha akka hin hiikne hin dhorkani. Akkaataan ergaa seerichaa kan falmisiisu yommuu ta'u galma seerichi gahuuf yaade mirkaneessuuf akka danda'amutti bu'uura hiikaafi yaada qaamni seericha baase karoorfateen manni murtichaa hiikuu qaba.
5. Namni kamiyyuu bu'uura seeraatiin murtii isa dhumaa ta'een balleessummaan isaa mirkanaa'ee yakka kanaan dura ittiin adabameen yookiin tarkaanfiin seeraa biroo irratti fudhatameen yookiin bilisaan gadi lakkifameen irra deebi'ee hin himatamu yookiin hin adabamu.

Keewwata 3. Seerota Adabsiisan Kanneen Biroo

Seerri Yakkaa kun jiraatuyyuu dambiileefi seeronni addaa adabbii tuman raawwatiinsa ni qabaatu.

Dambiileefi seerota kanneen keessatti haala addaatiin yoo tumame malee qajeeltoowwan seera kanaa isaaniifis raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 4. Seera Duratti Walqixa Ta'uu

Seerri yakkaa namoota gidduutti sadarkaa jireenya hawaasummaan, sanyiin, sabaan, sablammiin, bifaan, saalaan, afaaniin, amantiin, ilaalcha siyaasaa yookiin kan biroon, qabeenyaan, dhalootaan yookiin ejjennoo kan biraatiin garaagarummaa osoo hin uumiin hunda irratti wal qixxummaan raawatamaa ni ta'a.

Raawwattoota yakkaa gidduutti garaagarummaan kan uumamu maddi isaa seera addunyaalessaa yookiin heera mootummaa ta'ee mirgi bu'uura seera kanaan tumame yoo jiraate, yookiin cimina yakkichaa, sadarkaa badichaa yookiin umuriin

www.abyssinialaw.com

raawwatichaa, haalawwan yookiin amalli addaa namicha yakka raawwatee yookiin balaa yakkichi hawaasa irratti qaqqabsiise tilmaama keessa akka galu seera kanaan kan tumame yoo ta'edha.

Boqonnaa Lama

Daangaa Raawwii Seerichaa

Kutaa Tokko

Haalawwan Yeroo Ilaallatan

Keewwata 5. Seerri Yakkaa Duubatti Deebi'ee Kan Hin Hojjenne Ta'uu Isaa

1. Seera kanaafi seera yakkaa haqameen gochi akka yakkaatti lakkaawame kan raawwatame seerri kun ragga`uu isaatiin dura yoo ta'e, dhimmichi kan ilaalamu bu'uura seera yakkaa haqameetiin ta'a.
2. Gochichi bu'uura seera kanaan yakka ta'ee seera yakkaa haqameen garuu akka gocha yakkaatti kan hin lakkaawamne yoo ta'eefi kan raawwatame seerri kun ragga`uu isaatiin dura yoo ta'e, adabsiisuu hin danda'u**.**
3. Yeroo seerri haqame kun hojiirra turetti yakki raawwatame yoo jiraateefi seera kanaan garuu akka gocha yakkaatti kan hin lakkaawamne yoo ta'e, himachiisuus ta'e adabsiisuu hin danda'u; himanni isaas kan jalqabame yoo ta'e addaan ni cita.

Keewwata 6. Haala Addaa, Seera Fooyya'aa Ta'e Hojiirra Oolchuu

Seerri kun akka ragga'u erga taasifamee booda raawwatichi seerichi ragga'uu isaatiin dura yakka raawwateef yommuu itti murtaa'u, yeroo yakkicha raawwatetti seera hojiirra ture caalaa seerri kun adabbii kan isaaf salphisu yoo ta'e adabbiin seera kana keessatti tumame isarratti ni raawwatama.

Manni murtichaa seerri kun irra caalaa kan wayyu ta'uu isaa kan murteessu tokkoon tokkoon dhimmaa irratti tumaalee seeraa rogummaa qaban madaaluun ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 7. Raawwii Tarkaanfilee Eeggannoo

Seerri haqame yeroo hojiirra turetti yakkoota raawwataman irratti seerri kun erga ragga'ee booda murtiilee kennaman irratti haala murtii tarkaanfilee eeggannoo ilaalchisee tumaaleen seera kanaa (keewwata 129-165) raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 8. Akkaataa Raawwii Darbiinsa Yeroo

1. Yakkoota yeroo seerri haqame kun hojiirra ture raawwataman ilaalchisee, darbiinsa yeroo himannaan itti dhihaatuufi raawwiin adabbii guyyaa seerri kun ragga'e irraa eegalee bu'uura seera kanaatiin ni qajeelfama.

   Ta'us, seerri kun ragga'uun dura yeroon darbe darbiinsa yerootti lakkaawamuu qaba.

2. Yakki iyyannoo dhuunfaa dhiheessuun qofa adabsiisu ture bu'uura seera kanaatiin iyyannoo dhuunfaa malee kan adabsiisu yommuu ta'u, guyyaa seerri kun ragga'e irraa eegalee waggaa lama keessatti iyyataan dhuunfaa mirga iyyannoo dhiheessuuf qabutti kan hin fayyadamne yoo ta'e mirgi isaa hafaa ni ta'a.

Keewwata 9. Raawwii Murtiilee Bu'uura Seera Haqameen Kennamanii

Murtichi bu'uura seera yakkaa haqameen kan kenname yoo ta'e, raawwiin isaa kan qajeelfamu qajeeltoowwan armaan gadiinidha.

1. Gochi murtiin adabbii duraan itti kennamee ture seera haaraan kan hin adabsiisne yoo ta'e adabbichi raawwatamuu hin danda'u; adabbiin jalqabames battalummatti addaan ni cita.
2. Yeroo murtaa'e tokkoofi sababoota darbuu danda'aniif dirqama seerri tume darbuun murtiin yakkaa kan kenname yoo ta'e yeroon jedhame darbuun isaa sababa ta'ee adabbii murtaa'e dhaabsisuu hin danda'u; yeroon jedhame darbuun isaa himannaa dhiheessuus hin dhorku.
3. Seerri kun ragga'uun duras ta'e booda murtiilee kennamaniin raawwiin adabbiilee murtaa'anii bu'uura tumaalee seera kanaan ibsamaniin ni ta'a. Akkasumas sirni

www.abyssinialaw.com

raawwii adabbii maallaqaa murtaa'e galii gochuu, dursanii daangaan gadi lakkisuufi koroora bu'uura seera kanaan ibsameen ta'a.

4. Seerri kun yeroo ragga'etti hidhamaan adabbii itti murtaa'e raawwachaa jiru duraan yakka biroo bilisummaa dhabsiisuun adabsiisu raawwatee osoo irra hin gahamiin kan hafe ta'uun isaa yommuu beekamu, manni murtii murticha murteessu tumaa seeraa adabamtichaaf wayyu /keewwata 6/ bu'uura godhachuun qabatee, bu'uura tumaalee yakkoota dachaaf tumamaniin /keewwata 186/ ni murteessa.

Ta'us, bu'uura murtii duraatiin yeroon adabbii hidhaa inni raawwate ni hir'ifamaaf.

Keewwwata 10. Rikoordii Yakkamtootaa Haquufi Moggaasuu Ilaalchisee Raawwii Seera Kanaa

Bu'uura murtiilee seera haqameen kennamaniin galmeen rikoordii yakkamtootaa galmaa'e haalli itti haqamuufi yakkamtoonni itti moggaafaman bu'uura seera kanaatiin ni qajeelfama**.**

Kutaa Lama

Haalawwan Iddoo Ilaallatan

Kutaa Xiqqaa Tokko

Raawwii Muummee

Keewwata 11. Yakkoota Daangaa Itoophiyaa Keessatti Raawwataman; Haalawwan Idilee

1. Lammiin Itoophiyaa yookiin biyya alaa tokko yakkoota seera kana keessatti tumaman kamiyyuu daangaa Itoophiyaa keessatti kan raawwate yoo ta'e, seerri kun isarratti raawwatamaa ni ta'a.

Daangaan Itoophiyaa lafa, qilleensaafi qaama bishaanii kan hammatu yoo ta'u, bal'inni daangaa isaas akka heera mootummaatiin murtaa'eenidha.

www.abyssinialaw.com

2. Tumaan keewwata kanaa jiraatus, seera addunyaalessaatiin namoota mirga addaa qaban ilaalchisee kan tumaman kan eeggamanidha.
3. Raawwataan yakkaa biyya biraa kan dhokate yoo ta'e mootummaan Itoophiyaa bu'uura seera isaatiin dhimmichi akka ilaallamu taasisuuf dabarsamee akka kennamuuf gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 12. Haala Addaa, Bakka Bu'ummaa Kennuu

1. Lammiin biyya alaa daangaa Itoophiyaa keessatti yakka raawwatee sababa biyya alaatti baqachuu isaatiin osoo hin himatamiin yookiin hin adabamiin kan hafe yoo ta'eefi biyya itti baqaterraa dabarsamee kennamuu kan hin danda'amne yoo ta'e; biyyuma sanatti dhimmichi akka ilaallamu mootummaan Itoophiyaa gaafachuu ni danda'a.
2. Lammichi biyya alaa yakka raawwateen biyya alaatti himatamee dhimmicharratti murtii dhumaa kennameen bilisa kan bahe yoo ta'e; itti murtaa'ee dhiifama yookiin baraarsa kan argate yoo ta'e; himannichi yookiin adabbichi darbiinsa yerootiin kan hafeef yoo ta'e; yakka kanaan irra deebi'ee hin himatamu.
3. Yakkamtichi murtii adabbii biyya alaatti itti murtaa'e guutummaan yookiin gartokkeen osoo hin raawwatiin daangaa Itoophiyaa keessatti yoo argameefi akkaataan raawwii adabbichaa bu'uura tumaalee seera kanaan darbiinsa yerootiin kan hin dhorkamne yoo ta'e, adabbiin osoo hin raawwatiin hafe asumatti irratti ni raawwatama.

   Akaakuu adabbichaatiin yookiin akkaataa raawwii isaatiin garaagarummaan kan argame yoo ta'e, adabbii biyya alaatti itti murtaa'e waliin adabbiin caala wal fakkaataa ta'e irratti ni raawwatama.

Keewwata 13. Yakka Itoophiyaarratti Daangaa Isheetiin Alatti Raawwatamu

Itoophiyaan ala ta'ee kutaa addaa seera kanaa, kitaaba 3ffaa, mata duree tokkoffaa, boqonnaa tokkoffaafi kitaabuma kana mata duree 5ffaa (keewwata 238-260) , (keewwata 355-374), jalatti kan tumaman darbuun mootummaa Itoophiyaa, nageenya yookiin tokkummaa isaa, dhaabbilee isaa seera qabeessa ta'an, yookiin

www.abyssinialaw.com

faayidaa isaa gurguddoo yookiin maallaqa isaarratti nama yakka raawwate kamiyyuu irratti seerri kun raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 14. Yakkoota Lammiin Itoophiyaa Mirga Hin Sarbamne Qabu Biyya Alaa Taa'ee Raawwatu

1. Tumaan seera kanaa keewwanni 13 akkuma eegametti ta'ee, miseensi dippiloomaatikaa yookiin qonsiilaa mootummaa Itoophiyaa biyya alaa jiru, ergamaan yookiin bakka bu'aan mootummaa biyya alaatti yakka raawwate bu'uura mirga hin sarbamnee barmaatilee addunyaalessaa ilaallatuun biyya yakka itti raawwatetti himatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e, seerri kun raawwatamaa kan ta'u bu'uura seera Itoopohiyaafi biyya gochichi itti raawwatameen akka yakkaatti lakkaawamee kan adabsiisu yoo ta'edha.
2. Bu'uura seera Itoophiyaa yookiin seera biyya gochichi itti raawwatameetiin yakkichi iyyannoo dhuunfaan kan adabsiisu yoo ta'e, iyyannoon yoo dhihaate malee himannichi dhihaachuu hin danda'u.

Keewwata 15. Yakka Miseensi Raayyaa Ittisaa Mootummaa Itoophiyaa Biyya Alaa Taa'ee Raawwatu

1. Miseensi raayyaa ittisaa Itoophiyaa kamiyyuu haala kanaan osoo jiruu biyya alaatti seera idilee darbuun yakka raawwachuu isaatiin iddoo seera darbetti yoo qabameefi himatame, bu'uura seeraafi aangoo abbaa seerummaa biyya sanaan murtii kan argatu ta'a.

   Baqatee gara daangaa Itoophiyaa kan gale yoo ta'e, bu'uura seera kana keewwata 21(2) tiin ni himatama.

2. Yakki raawwatame seera kana /keewwata 269-322/ jalatti kanneen tarreeffaman, yakkoota seera addunyaalessaa yookiin gocha loltummaa irratti raawwataman keessaa tokko yoo ta'e miseensi raayyaa ittisichaa murtii kan argatu seera kanaafi Manneen Murtii Loltummaa Itoophiyaatiin ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 16. Bu'aa Murtiiwwan Biyya Alaatti Kennamanii

1. Raawwataan yakkaa kamiyyuu bu'uura seera kanaa keewwata 11, 13, 14 (1) fi 15 (2) tiin aangoo abbaa seerummaa muummee Itoophiyaa jalatti kan gaafatamu yoo ta'u, biyya alaatti kan itti murtaa'e yoo ta'ellee Itoophiyaa keessatti yoo argame yookiin Itoophiyaatti dabarsamee yoo kenname dhimmuma sanaan irra deebiin himatamuufi itti murtaa'uu ni danda'a.
2. Murtii biyya alaan himannaan ala ta'uun yookiin bilisaan gadi lakkifamuun isaa bu'uura seera kanaan irra deebiin himatamuu yookiin adabamuu irraa isa hin hambisu.
3. Himatamaan yakka raawwateen biyya alaatti itti murtaa'ee adabbii isaa guutummaanis ta'e gartokkeen kan raawwate yoo ta'e, manni murtichaa adabbii haaraa yommuu murteessu adabbii dursee raawwate herreegee ni hir'isaaf.

Kutaa Xiqqaa Lama

Raawwii Seera Biroo

Keewwata 17. Yakkoota Seeraafi Sirna Addunyaalessaa Irratti Itoophiyaan Alatti Raawwataman

1. Namni kamiyyuu Itoophiyaan ala taa'ee:
   (a) waliigaltee yookiin seera addunyaalessaa Itoophiyaan waliigalteen fudhatte keessatti yookiin gocha akka yakka addunyaalessaatti lakkaawamu raawwachuun, yookiin
   (b) seera kana keewwata 525, 599, 635, 636, 640 yookiin 641 jalatti kan tumame darbuun fayyaa ummataa yookiin hamilee ummataa miidhuun yakka kan raawwate yoo ta'e, biyya alaatti himatamee murtiin dhumaa kan kenname yoo ta'e malee bu'uura tumaalee seera kanaafi haalawwan waliigalaa armaan gaditti ibsamaniin (keewwata 19 fi 20(2) tiin himanni isaa Manneen Murtii Itoophiyaatti ni ilaalama.
2. Seera kana keewwata 14 fi 15 (2) jalatti tumaaleen ibsaman akka eegamanittidha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 18. Yakkoota Biroo Itoophiyaan Alatti Raawwataman

1. Namni kamiyyuu Itoophiyaan alatti lammii Itoophiyaarratti yookiin lammiin Itoophiyaa kamiyyuu Itoophiyaan alatti yakkoota keewwattoota armaan olitti ibsamaniin alatti yakkoota biroo yoo raawwate, raawwataan yakkichaa yakkuma raawwate kanaan biyya alaatti osoo hin himatamiin yoo hafe seerri yakkaa kun bakka bu'umsaan raawwatamaa kan ta'u:
   (a) seera biyya gochichi itti raawwatameefi Seera Yakkaa Itoophiyaatiin kan adabsiisu ta'uun isaa kan tumame yoo ta'eefi;
   (b) ciminni yakka raawwatamee bu'uura seera Itoophiyaatiin himatamaan qabamee dabarsamee akka kennamu taasisuuf gahaa ta'ee yoo argamedha.
2. Lammiin biyya alaa kamiyyuu Itoophiyaan alatti yakka biraa raawwatee Itoophiyaatti yommuu galetti akkaataa seera kanaan dabarsamee kan kenname yookiin haala biroon kan tumame yoo ta'e malee Itoophiyaa keessatti himatamuufi dhimmi isaa ilaalamuu kan danda'u akkaataa seera yakkaa Itoophiyaatiin yakkichi adabbii cimaa wagga kudhanii gadi hin taaneen yookiin du'aan kan adabsiisu yoo ta'edha.

Keewwata 19. Haala Seerri Kun Bakka Bu'umsaan Itti Raawwatamu

1. Seerri kun bakka bu'umsaan raawwatiinsa kan qabaatu:
   (a) biyya yakkichi itti raawwatametti yookiin bu'uura seera Itoophiyaatiin yakkichi kan himachiisu iyyannoo dhuunfaa qofaan yoo ta'u iyyannichi kan dhihaate yoo ta'e;
   (b) raawwataan yakkichaa daangaa Itoophiyaa keessatti kan argame yoo ta'eefi dabarsamee kan hin kennamne yoo ta'e, yookiin yakkuma raawwate kanaan dabarsamee Itoophiyaatti kan kenname yoo ta'e; yookiin
   (c) raawwataan yakkichaa bu'uura seera biyya yakkicha raawwatetti rogummaa qabuun dhiifama kan hin arganne yoo ta'e yookiin seera biyya yakkichi itti raawwatameen yookiin seera Itoophiyaan darbiinsa yerootiin kan hin dhorkamne yoo ta'edha.

www.abyssinialaw.com

2. Akaakuu yakkaa seera kana keewwata 17 fi 18 (2) jalatti ibsaman ilaalchisee haalawwan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a) fi (c) jallatti tarreeffaman dirqamaan guutamuun isaanii hin barbaachisu.
3. Abbaan alangaa himannaa dhiheessuun dura ministira haqaa waliin mari'achuu qaba.
4. Adabbii seerota yakkaa biyya alaafi Itoophiyaa yakkichaaf tumaman gidduu garaagarummaan yommuu jiraatu raawwatiinsa kan qabaatu adabbii seera irra caalaa himatamaa fayyadu keessatti tumamedha.

Keewwata 20. Bu'aa Murtii Biyya Alaatti Kennamee

1. Seerri Itoophiyaa seera biyya alaa bakka bu'uu qofaan himatamaa irratti yommuu raawwatamu hunda (keewwata 15 (1), 17 fi 18) raawwataan yakkichaa dhimmuma kanaan biyya alaatti himatamee haala gahaa ta'een bilisa kan bahe yoo ta'e yookiin kan isa hin himachiisnedha jedhamee kan gadi lakkifame yoo ta'e Seerri Itoophiyaa isa irratti raawwatamaa hin ta'u.
2. Yakkamaan biyya alaatti himannaan isaa ilaalamee adabbiin itti murtaa'e adabbii isaa kan hin raawwanne yoo ta'e yookiin gartokkee isaa qofa kan raawwate yoo ta'e; adabbiin waliigalaa yookiin adabbiin hafe bu'uura seera Itoophiyaa yookiin seera biyya dhimmicha ilaalee murteesseetiin darbiinsa yerootiin kan dhorkame yoo ta'e malee bu'uura seera kana keessatti tumameen ni raawwatama. Tumaan keewwata 12(3) akka barbaachisummaa isaatti keewwata kanaaf raawwatmaa ni ta'a.

Kutaa Sadi

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 21. Dabarsanii Kennuu

1. Lammii biyya alaa kan ta'e namni kamiyyuu daangaa Itoophiyaan ala taa'ee Seera Yakkaa Idilee darbuun yakka raawwateef kan himatame yookiin murtiin adabbii kan itti murtaa'e yoo ta'eefi daangaa Itoophiyaa kan seene yoo ta'e; akka seerichi ajajuun waliigaltee mootummaalee gidduutti taasifameen yookiin bu'uura

www.abyssinialaw.com

seera baratamaa addunyaalessaatiin yakki yakkamaan raawwate Mootummaa Itoophiyaa kallattiifi abbaa dhimmummaa muummeen kan isa hin ilaallanne ta'ee yoo argameefi mootummaan biyya inni yakkicha itti raawwatees bu'uura seera biyyichaan akka itti murtaa'u yookiin adabbii isaa akka xumuruuf gaaffii roga qabeessa kan dhiheesse yoo ta'e; qabamee murtiif biyya itti dhihaatutti yookiin adabbii isaa itti xumurutti dabarsamee kennamuu ni danda'a /keewwata 13/.

2. Yakkichi yommuu raawwatames ta'e yookiin raawwataan yakkichaa dabarsamee akka kennamuuf gaaffiin yeroo dhihaate lammii Itoophiyaa kan ta'e nama kamiyyuu mootummaa biyya biraaf dabarsanii kennuun hin danda'amu. Ta'us, raawwatichi bu'uura seera Itoophiyaatiin Manneen Murtii Itoophiyaatti ni ilaalama**.**
3. Yakkoonni dabarsanii kennuu hordofsiisan yommuu raawwataman hunda gaaffichi bu'uura seerota mootummaa Itoophiyaafi waliigalteewwan addunyaalessaa ittiin hojjetamuun ni raawwatama.

Keewwata 22. Murtiiwwan Biyya Alaatiif Beekamtii Kennuu

1. Seenaa jireenyaa himatamaa darbeefi sababoota adabbii cimsan, koroora kennuufi hambisuu, irradeddeebiin yakka raawwachuufi adabbii inni hordofsiisu, tarkaanfileen mirkaneessa nageenyaa, himatamaan seera duratti dandeettii kan hin qabne ta'uu isaafi gonfa irraa mulquu, moggaasuu, haala kaffaltii beenyaa, meeshaalee fudhataman deebisuufi dhimmoota biroo amala hariiroo hawaasummaa qaban akkasumas dhimmoota seera kana irratti tumaman kan biroo ilaalchisee murtii biyya alaatti kennameef beekamtii kennuun ni danda'ama.
2. Murtii biyya alaatiif beekamtii kennuun kan danda'amu bu'uura seera Itoophiyaatiin gocha akka yakkaatti lakkaawame irratti mana murtii addaatiin osoo hin ta'iin murtii mana murtii idileetiin kenname, abbaa taayitaa Itoophiyaa dhimmichi ilaallatuun kan mirkanaa'e yoo ta'edha.

Murtii biyya alaatti kenname beekuun fudhachuun kan danda'amu bu'uura rikoordii yookiin garagalcha murtii sirrummaan isaa mirkanaa'e, ragaa sirrummaan isaa qaama biyya alaa aangoo abbaa seerummaa yookiin aangoo bulchiinsaa qabuun mirkanaa'een; yookiin ragaa amanamummaa qabu akaakuu biroo kamiiniyyuudha.

www.abyssinialaw.com

Mata Duree Lama

Yakkaafi Raawwii Isaa

Boqonnaa Tokko

Gocha Yakkaa

Keewwata 23. Yakka Adabsiisu

1. Gocha seeran alummaafi adabsiisummaan isaa seeraan tumame raawwachuun yakkadha**.**

   Seera kana keessatti gocha jechuun kan seeraan dhorkame raawwachuu yookiin kan seeraan ajajame raawwachuu dhiisuudha.

2. Yakki tokko raawwatame kan jedhamu ijoowwan dubbii yakkicha hundeessan kutaa seeraa, kutaa gochaafi kutaa yaadaa bakka tokkotti guutamanii yoo argaman qofadha.
3. Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jiraatuyyuu, jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef bu'uura haalawwan seera kana keewwata 34 jalatti tumameen yakkaan itti gaafatamaa ni ta'a.
4. Yakki tokko adabsiisuu kan danda'u manni murtii yakkichi raawwatamuu isaa kan mirkaneesseefi kan adabsiisu ta'ee yoo argedha.

Keewwata 24. Hariiroo Sababaafi Bu'aa

1. Raawwiin yakka tokkoo bu'aa murtaa'e tokko akka fidu kan beekame yommuu ta'e hunda, himatamaan bu'icha argamsiise gocha ittiin himatame ta'uunsaa kan mirkanaa'e yoo ta'e malee yakkichi akka raawwatametti hin lakkaawamu.

   Sababaafi bu'aa gidduutti hariiroon jira kan jedhamus akkaataa haala beekamaa yookiin adeemsa baratameen gochi himatamaa bu'aa jedhame argamsiisuu kan danda'u ta'ee yoo argamedha.

2. Himatamaaf haaraa kan ta'e; gocha nama biraatiin, wanta uumamaatiin yookiin haala mudannoo tasaatiin kan ka'e sababa dursee qaqqabe, wal irra bu'ee, yookiin

www.abyssinialaw.com

gidduu seeneen bu'aan argame kan uumame yoo ta'e sababni kun of danda'ee bu'aa tokko kan hordofsiise yoo ta'e hariiroon gocha himatamaafi bu'aa isaa gidduutti uumamuuf ture addan kan citu ta'a.

Gochi addaan cite yakka of danda'aa ta'ee yommuu argamu adabbiin yakka kanaa irratti ni raawwatama.

3. Sababoonni addaddaa armaan olitti keewwata xiqqaa 2 jalatti tarreeffaman tokkoon tokkoon isaanii of danda'anii bu'aa hordofsiisuu kan hin dandeenye yoo ta'es walitti dabalamuun bu'aa kan argamsiisan yoo ta'e tokkoon tokkoon sababaafi bu'aa argame gidduu hariiroon akka jirutti ni lakkaawama.

Keewwata 25. Yeroofi Iddoo Yakki Itti Raawwatame

1. Iddoofi yeroon yakki akka itti raawwatametti lakkaawamu iddoofi yeroo yakkamaan gocha yakkaa itti raawwate yookiin gocha seerri akka raawwatu dirqisiisu osoo hin raawwatiin itti hafedha.

Yeroofi iddoon yaaliin yakkaa akka itti raawwatametti lakkaawamu yeroofi iddoo gochoonni yaalii yakkichaa hundeessan kan jalqabaa yakkamaan itti raawwate yookiin osoo hin raawwatiin itti hafedha.

2. Yakkichi yeroo tokkotti kan hin raawwatamne ta'uu isaatiin gochichiifi bu'aan isaa bakka tokkotti yeroo hin argamnetti yakkichi akka raawwatametti kan lakkaawamu iddoo gochichi itti raawwatame yookiin bu'ichi itti argamettidha.

Akkasumas, yaaliin yakkaa akka raawwatametti kan lakkaawamu iddoo raawwatichi yakkicha raawwachuuf itti yaale yookiin bu'aan isaa itti argama jedhee yaadedha.

Dhiheessa himannaa ilaalchisee, manni murtii bakka bu'aan yakkichaa itti argame mana murtii iddoo yakkichi itti rawwatame bakka bu'uu isaati.

3. Seera kana keewwata 61 jalatti akka tumametti, walitti makamuun yookiin irra deddeebi'amuun gochoota yakka salphaa yookiin adabbii cimsuu danda'u hundeessuuf yoo ta'u yookiin gochi yakkichaa dheeratee yommuu turu, gochoota

www.abyssinialaw.com

walitti makaman yookiin irra deddeebi'aman keessaa tokko yookiin gocha yakkaa dheeratee ture keessaa iddoofi yeroon gartokkeen yakkichi itti raawwatame akka iddoofi yeroo yakkichi itti raawwatameetti lakkaawama.

Boqonnaa Lama

Sadarkaa Raawwii Yakkaa

Keewwata 26. Gochoota Qophii

Gocha yakkaa qopheessuuf yookiin mijeessuuf keessumattuu meeshaalee walitti qabuun yookiin haalawwan mijaawaa uumuun gochoonni raawwataman hin adabsiisan; ta'us gochoonni kun:

(a) ofii isaaniin yakka ta'anii kan adabsiisan ta'uu isaanii seeraan kan tumame yoo ta'e; yookiin

(b) cimina yakkootaafi hamma balaa waliigalatti qaqqabsiisanii irraa kan ka'e yakka addaa ta'uun isaanii seeraan ifatti kan tumame yoo ta'e;ni adabsiisu.

Keewwata 27. Yaalii

1. Namni kamiyyuu itti yaadee yakka raawwachuuf jalqabee gocha yakkichaa hanga dhumaatti kan hin hordofne yookiin hordofuuf kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin gochi yakkichaa akka raawwatamu hanga dhumaatti hordofuun bu'aa barbaadame argachuu yoo baates gocha yakkicha raawwachuu yaaluu isaa qofaan balleessaa ni ta'a.

   Yakkichi akka jalqabametti kan lakkaawamu gochi raawwatame haala hin shakkisiisneefi kallattiin gara galma yakkicha raawwachuuf yaadameetti geessisuuf kan raawwatame yommuu ta'edha.

2. Seericha keessatti tumaan faallaa ta'e kan jiru yoo ta'e malee yaaliin yakkaa yeroo hundumaa kan adabsiisudha**.**

   Yaaliin gocha yakkaaf kakaasuu yookiin miiltummaa ifaan seeraan kan adabsiisudha jedhamee yoo tumame malee hin adabsiisu**.**

www.abyssinialaw.com

3. Seera kana keewwata 117 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, gocha yakkicha yaaluu isaatiin raawwatichi ramaddii yakka raawwachuu barbaadeef adabbii tumameen ni adabama.

   Haalawwan dubbichaa sababoota gahaa ta'an yommuu argamsiisan garuu manni murtichaa bu'uura dambii adabbii salphisuu idileetiin /keewwata 179/ adabbicha salphisuu ni danda'a.

Keewwata 28. Dhiisuufi Gaabbuu

1. Raawwatichi gocha yakkaa raawwachuuf ture fedhii isaatiin kan dhiise yoo ta'e; haalawwan dubbichaa sababoota gahaa kan argamsiisan yoo ta'e manni murtichaa bu'uura daangaa seeraan hayyamameen /keewwata 179/ yookiin akka isatti fakkaatetti /Keewwata 180/ adabbicha ni salphisaaf. Gocha yakkichaa kan dhiise haqummaan yookiin sababa qalbii miira olaanaa ta'een kaka'uun yoo ta'e; manni murtichaa adabbiirraa bilisa isa taasisa.
2. Raawwatichi gocha yakkichaa hanga dhumaatti raawwatee fedhii isaatiin bu'aan akka hin argamne kan dhorke yookiin gumaachi inni taasise bu'aa gaarii kan argamsiise yoo ta'e; manni murtichaa akka isatti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.
3. Tumaan keewwata kanaan ibsame kakaasaa yookiin miiltoo gocha yakkaa fedhii isaatiin dhiiseef yookiin yakkichi bu'aa akka hin arganne dhorkuuf gama isaatiin waan isaa danda'amu taasiseef /keewwata 36 fi 37/ raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 29. Yakka Raawwatamuu Hin Dandeenye

Tooftaafi meeshaa kamiiniyyuu yookiin wanta kamiyyuu irratti, maaliyyuu yoo ta'e yakka raawwatamuu hin dandeenye raawwachuuf nama yaaleef manni murtichaa akka isatti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.

Raawwatichi tooftaa yookiin meeshaa miidhaa geessisuu hin dandeenye kamiiniyyuu, hojii amantiin, gowwummaan yookiin dadhabbina yaadaatiin yaalii gocha yakkaa yommuu raawwate manni murtichaa adabbii irraa bilisa isa ni taasisa.

www.abyssinialaw.com

Tumaaleen keewwata kanaa armaan olitti ibsaman nama gochi yakkaa akka raawwatamu kakaase yookiin miiltoo ta'eefis haala wal fakkaatuun raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 30. Yakkoota Yaalii Waliin Hariiroo Qaban

Gochi adeemsa yaalii yakkaa keessatti raawwatamu yakka biroo of danda'e kan hundeessu ta'ee yoo argame, adabbiin yakka kanaaf murtaa'e raawwaticha irratti raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 31. Yaada Abbaa Seeraa

Yaalii raawwii gocha yakka addaddaa dhiifame yookiin osoo hin raawwatamiin hafe bu'uura seerichi hayyamuun adabbii murteessuuf yookiin barbaachisaa ta'ee yoo argame adabbii salphisuuf yookiin keessumattuu adabbii tokko murteessuu gonkumaa dhiisuuf manni murtichaa haala dubbichaa ilaaluufi madaaluu qaba**.** Keessumattuu, hamma tarkaanfii yaalii yakkichaafi sadarkaa cimina balaa yaaliin yakkichaa qaqqabsiisuu danda'u, sababa yaaliin yakkichaa xumura osoo hin argatiin hafe, sababa raawwatichi yakkicha raawwachuu dhiiseefi gaabbe, akkasumas seenaa jireenyaa balleessichaa yeroo darbeefi balaafamummaa amala isaa qorachuufi madaaluu qaba.

Bqonnaa Sadi

Raawwii Yakkaa Irratti Hirmaataa Ta'uu

Keewwata 32. Raawwataa Yakkaa Muummee Ta'uun Hirmaachuu

1. Namni kamiyyuu raawwataa yakkaa muummee ta'uun yakka akka raawwatetti lakkaawamee kan adabamu:
   (a) kallattiin yookiin alkallattiin keessumattuu, beelladaan yookiin humna uumamaan dhugummaan yakkicha kan raawwate yoo ta'e; yookiin
   (b) yakkicha ofii isaatiin kallattiin kan hin raawwanne yoo ta'ellee yaadaafi gocha isaa hundaan gocha yakkichaafi bu'aa inni argamsiisu hunda

www.abyssinialaw.com

keessatti guutummaan hirmaataa ta'uun gochicha kan ofiisaa kan taasise yoo ta'e; yookiin

(c) daa'ima yookiin nama sammuun isaa sirrii hin taane yookiin haalicha hin hubanne yakka raawwachuuf meeshaa kan godhate, yookiin namni biraa yakka akka raawwatu kan dirqisiise yoo ta'edha**.**

2. Yakki raawwatame yaada raawwataa yakkichaatiin ol kan darbe yoo ta'e; dhimmichi kan ilaalamu bu'uura keewwata 58 (3) jalatti ibsameen ta'a.

3. Raawwii yakka tokkoo keessatti raawwataa yakkaa muummee ta'uun namoonni lama yookiin isaa ol ta'an hirmaataa yoo ta'an tokkoon tokkoon isaanii bu'uura gulantichaaf murtaa'een ni adabamu.

Manni murtichaa haalawwan dhuunfaa /keewwata 41/, akkasumas hamma badii isaaniitiin tumaalee adabbii ilaallatan /keewwata 88/ hordofuu qaba.

Keewwata 33. Yakka Addaatti Hiramaataa Ta'uu

Yakki namoota addaa qofaan raawwatamuu danda'u yommuu mudatu, keessumattuu yakkoota loltummaa ilaallatuun loltuu, yakkoota hojii mootummaan wal qabatan ilaalchisee hojjetaa mootummaa yookiin dubartii dirqisiisanii gudeeduuf dhiira ta'uun kan barbaachisu yommuu ta'u raawwataan yakkichaa kan jedhame garaagarummaa qabaachu baatu iyyuu, fedhaafi beekumsa isaa guutuun hirmaataa guutuu yakkichaa yoo ta'e; akka raawwataa yakkaa muummeetti gaafatamuu irraa hin oolu.

Keewwata 34. Hirmaattummaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameefii

1. Qaamolee bulchiinsa mootummaa osoo hin dabalatiin jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef ifatti yommuu tumametti raawwataa yakkaa muummee ta'uun, kakaastummaan yookiin miiltummaan yakkaan adabamuu ni danda'a.

Jaarmiyaan tokko akka yakka raawwatetti lakkaawamee kan adabamus hoggantoota yookiin hojjettoota isaa keessaa tokko haala hojii jaarmiyichaa waliin wal qabateen faayidaa jaarmiyichaa karaa seeraan alaan gaggeessuuf yaaduun,

www.abyssinialaw.com

yookiin dirqama seeraa jaarmiyichaa darbuun, yookiin jaarmiyicha akka meeshaatti seeraan ala fayyadamuun raawwataa muummee ta'uun, kakaastummaan, yookiin miiltummaan yakka yommuu raawwatudha.

2. Jaarmiyichi kan adabamu bu'uura keewwata 90(3) fi (4) tiin adabbii maallaqaatiin; barbaachisaa yoo ta'es jaarmiyichi akka dhorkamu, cufamu, yookiin akka diigamu adabbiin dabalataa itti murtaa'uu ni danda'a.
3. Adabamuun jaarmiyichaa hoggantoonni yookiin hojjettoonni jaarmiyichaa yakka dhuunfaa isaaniin raaawwataniif adabbii itti murtaa'uu qabu hin hambisu.
4. Kaayyoo keewwata kanaatiif "jaarmiyaa" jechuun jaarmiyaa mootummaas ta'e miti mootummaa yookiin qaama caasaa ummataas ta'e kan dhuunfaa qabu yoo ta'u daldalaaf, industiriif, siyaasaaf, amantaaf yookiin kaayyoo seera qabeessa ta'e biroof kan hundeeffameefi waldaa mootummaan beekamtii argate kamiyyuu ni dabalata.

Keewwata 35. Yakka Gamtaan Raawwatame

Yakki tokko namoota lakkoofsi isaanii tokkoo ol ta'aniin gamtaan yommuu raawwatame, namni raawwataa yakkichaa ta'uun isaa hin mirkanoofne hin adabamu.

Ta'us, namoota garee tokko keessatti ramadamaniin yakkoonni akka korannaafi jeequmsa fakkaatan yommuu raawwataman, namni gamticha keessatti argamuun isaa itti mirkanaa'e kan hin adabamne yakkicha keessatti kan hin hirmaanne ta'uu isaa yoo hubachiisedha.

Keewwata 36. Kakaasuu

1. Namni kamiyyuu yakki akka raawwatamu kakaaseera kan jedhamu itti yaadee nama biroo sossobuun, abdii kennuun, maallaqaan, kennaan, sodaachisuun, yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu yakka tokko akka raawwatu kan amansiise yoo ta'edha**.**
2. Namni kakaase kan adabamu yoo xiqqaate yakkichi kan yaalame yoo ta'edha.

www.abyssinialaw.com

3. Adabbiin itti murtaa'us hamma adabbii yakka raawwatamuuf yaadameef seerichi tumeen wal qixadha. Haalawwan dubbichaas sababoota gahaa ta'an yoo argamsiisan hamma seeraan tumameen adabbichi salphachuu ni danda'a /keewwata 179/.
4. Yakki raawwataan yakkaa muummichi raawwate, kakaasaan kan barbaadeen ol yommuu ta'etti, kakaasaan kan adabamu yakka inni barbaadeen yookiin ni ta'a jedhee tilmaamuu danda'uun qofadha /keewwata 58 (3)/.

   Kunis yommuu ta'utti, raawwataan yakkaa muummichi yakka cimaa raawwateef inni qofti itti gaafatamaa ni ta'a.

Keewwata 37. Miiltummaa

1. Namni kamiyyuu gocha yakkaaf miiltoodha jedhamee kan lakkaawamu raawwataan yakkaa muummichi yakka raawwachuu isaatiin duras ta'e yookiin yommuu yakka raawwatu, oduu dabarsuun, gorsuun, tooftaa yakki ittiin raawwatamu yookiin meeshaa yookiin gargaarsa qabatamaa kennuun yookiin raawwii yakkichaaf haala fayyaduun karaa kamiiniyyuu itti yaadee kan gargaare yoo ta'edha.
2. Yakka itti yaadamee raawwatamuuf miiltoo ta'uun yeroo hunda kan adabsiisudha.
3. Miiltoon kan adabamu yoo xiqqaate yakkichi yoo yaalamedha.
4. Adabbiin miiltoo irratti murtaa'u adabbii yakka raawwatamuuf yaadameef adabbii seeraan tumameen wal qixadha. Manni murtichaa haala dubbichaa madaaluun daangaa murtii seeraan tumame osoo hin darbiin miilticha ilaalchisee adabbicha salphisuufii ni danda'a /keewwata 179/.
5. Yakki, raawwataan yakkaa muummichi raawwate miiltichi kan barbaadeen ol yommuu ta'etti, miiltichi kan adabamu yakka inni barbaadeen yookiin ni ta'a jedhee tilmaamuu danda'uun qofadha /keewwata 58 (3)/.

   Kunis yommuu ta'utti, raawwataan yakkaa muummichi yakka cimaa raawwateef inni qofti itti gaafatamaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 38. Yakka Raawwachuuf Korachuu

1. Namoonni lama yookiin lamaa ol ta'an yakka tokko raawwachuuf kan waliigalan yoo ta'e, tumaaleen waa'ee hirmaattummaa yakkaafi adabbii cimsuuf tumaman isaan irratti raawwatamoo ni ta'u /keewwata 84 (1) (d)/.
2. Ta'us, faayidaalee gurguddoo mootummaafi humna ittisaa irratti korachuu, waldaalee seera qabeessa hin taane hundeessuufi waldaalee kana keessatti hirmaachuu, waldaalee namoota daba raawwattootaa yookiin jaarmiyaalee wanbadootaafi kan kana fakkaatanii ilaalchisee kutaa addaa seera kanaa keessatti kan tumaman akkuma eegamanittidha /keewwata 257, 274, 300 fi 478/.

Keewwata 39. Yakka Beeksisuu Dhiisuu

1. Seeraan ifatti kan tumame yoo ta'e malee /keewwata 254 fi 335/ qophii yookiin yaalii yakka raawwachuuf taasifame, yakka xumura argate yookiin raawwataa yakkichaa beeksisuu dhiisuun yakki erga raawwatamee booda raawwataa yakkichaa gargaaruudha yookiin miiltummaadha jedhamee hin adabsiisu.
2. Abbaa taayitaa murtiitti beeksisuu dhiisuu ilaalchisee seera kana keewwata 443 jalatti kan tumame kan eegamedha.
3. Dirqamoonni armaan olitti ibsaman dhiphifamanii gadi lakkifamuu qabu**.**

Keewwata 40. Erga Yakki Raawwatamee Booda Raawwataa Yakkaa Gargaaruu

Namni kamiyyuu erga yakki raawwatamee booda itti yaadee raawwataan yakkichaa himatamuufi adabamuu jalaa akka miliqu dhoksuun yookiin karaa biroon kan gargaare yoo ta'e, yookiin mi'a yakkaan argame kan dhokse yoo ta'e, gochoota kanaaf bu'uura tumaalee kutaa addaa seerichaan tumamaniin ni adabama /keewwata 445,460 fi 682/.

Keewwata 41. Sababoonni Dhuunfaa Kan Birootti Kan Hin Dabarre Ta'uu Isaanii

Namoonni lama yookiin lamaa ol ta'an raawwataa yakkaa muummee ta'uun yookiin hirmaattummaa sadarkaa lammaffaatiin yakka raawwatanii yommuu argaman, tokkoon tokkoon isaa sadarkaa hirmaannaa isaatiin, hanga badii isaatiin, ofii isaafi

www.abyssinialaw.com

gochichi hanga cimina miidhaa hordofsiisuu danda'uun ofii yakka raawwate qofaan ni adabama.

Adabbii irraa oolchuuf, adabbii salphisuuf yookiin cimsuuf sababa kan ta'an haalawwan naannoo dubbichaa, amaloota addaa balleessichaa, yookiin hariiroowwan dhuunfaa raawwataa yakkichaa mataa isaatiif malee namoota birootti kan darban miti. Akkasumas, nama dhimmichi kallattiin ilaallatu yoo ta'e malee nama biroo miidhuu yookiin fayyaduu hin danda'u.

Boqonnaa Afur

Yakkoota Karaa Sabqunnamtiin Raawwataman Keessatti Hirmaataa Ta'uu

Keewwata 42. Qajeeltoo

1. Tumaaleen seera kana keewwata 32 - 41 keessatti tumaman jiraataniyyuu bilisummaa yaada ofii ibsuu eeguufi bilisummaan kunis daangaa akka hin dabarre dhorkuuf haalli karaa yakkoota sabqunnamtiin raawwataman keessatti hirmaataa ta'uun yommuu mudatu tumaaleen boqonnaa kanaa raawwatamoo ni ta'u**.**
2. Yakkoonni karaa sabqunnamtiin raawwataman gaazexootaan, kitaabotaan, barruu qilliseen, barruuleen, waraqaalee maxxanfamaniin, fakkiiwwaniin, siniimaan, tamsaasa raadiyoon yookiin televiiziyoonaan yookiin mala sabqunnamtii kamiiniyyuu kan raawwatamanidha.
3. Yakkichi kan raawwatame karaa sabqunnamtii kanneeniin yoo ta'e kabaja namaa tuquu qofaan osoo hin ta'iin nageenya dhuunfaa yookiin waliinii booressuufi mirga seera yakkaatiin kabajamanii jiran kamiyyuu tuquu ni dabalata; yakkichi raawwatamera kan jedhamu maloota kanaan ummataaf yommuu ibsamedha.

Keewwata 43. Itti Gaafatamummaa Yakkoota Karaa Sabqunnamtiin Raawwatamanii

1. Maxxansa yeroo yeroon bahuun yakka raawwatamu ilaalchisee itti gaafatamummaan jiru haala armaan gadiin ni ta'a.
   (a) bu'aan pireesichaa yommuu maxxanfamu nama qopheessaa olaanaa yookiin qopheessaa itti aanaa galmaa'e;

www.abyssinialaw.com

(b) maxxansichi yeroo bahetti pireesichi hayyama kan hin qabne yoo ta'e yookiin bu'uura keewwata 1 (a) tiin namni itti gaafatamaa ta'e haalawwan qopheessaa olaanaa taasisuu dandeessisan kan hin guunne ta'ee yoo argame yookiin qopheessummaa olaanaan hojjechuusaa kan dhaabe yoo ta'e, maxxansaan pireesichaa itti gaafatamaa ni ta'a.

(c) itti gaafatamummaan qopheessaa olaanaa maqaaf yoo ta'e yookiin yeroo bu'aan pireesichaa bahetti qopheessaan olaanaa aangoo isaatti fayyadamuuf akka hin dandeenye haalawwan ifatti agarsiisan kan jiran yoo ta'e, maxxansaan pireesichaa itti gaafatamaa ni ta'a;

(d) akka qopheessaa olaanaatti akka hojjetu qopheessicha olaanaatiin qopheessaan bakka bu'e bu'aan pireesichaa yeroo bahetti akka qopheessaa olaanaatti hojjechuuf haalawwan dandeessisan kan guutu ta'ee yoo argame yookiin yeroon itti muudame kan darbe yoo ta'e yookiin aangoosaatti fayyadamuuf akka hin dandeenye haalawwan agarsiisan ifatti kan jiran yoo ta'e, qopheessaa olaanaan pireesichaa itti gaafatamaa ni ta'a;

(e) yeroo bu'aan pireesichaa tamsa'etti maxxansiisaa pireesichaa beekuun kan hin danda'amne yoo ta'e bakka maxxansiisichaa kan itti gaafatamaa ta'u maxxansaa ta'a;

(f) eenyummaa maxxansaa beekuun kan hin danda'amne yeroo ta'etti bakka maxxansaa kan itti gaafatamaa ta'u bu'aa pireesichaa irratti maqaan maxxansaa kan hin ibsamne ta'uu isaa yookiin maqaan nama maxxansaa hin taanee sobaan ibsamuu isaa osoo beekuu bu'aa pireesichaa nama tamsaase kamiyyuu ta'a;

(g) maxxansa biyya alaatti maxxanfame ilaalchisee itti gaafatamaa kan ta'u, bu'aa isaatti dhuunfaan fayyadamuuf nama galchuun ala nama fichisiisaa ta'e yookiin bu'aa pireesichaa tamsaase kamiyyuu ni ta'a.

2. Bu'aan pireesichaa maxxansa yeroo yeroon bahuun ala hojii maxxansaa biroo yoo ta'e:

(a) maqaan barreessichaa maxxansicha irratti kan ibsame yoo ta'e barreessichi itti gaafatamaa ni ta'a. Ta'us, bu'aan pireesichaa kan tamsa'e

www.abyssinialaw.com

hayyama barreessichaatiin ala yoo ta'e, yookiin maqaansaa masoo yookiin dhugaa hin taane maxxansicha irratti kan ibsame hayyama isaatiin ala ta'uun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e barreessichi itti gaafatamaa hin ta'u. Maxxansaalee yeroo yeroon bahan keessatti bu'aalee maxxansaalee hin hammatamne ilaalchisee qorannaa murtii taasifamuu kamiiniyyuu eenyummaan barreessichaa qulqullaa'uu ni danda'a;

(b) maxxansichi barreessitoota lamaa ol ta'aniin barreeffamoota walitti dhufan akka qabatu ta'uu isaatiin yookiin kan qabate ta'uu isaatiin barreessichi bu'uura keewwata xiqqaa 2(a) tiin itti gaafatamaa ta'uu kan hin dandeenye yoo ta'eefi qopheessaan olaanaa maxxansichaa bu'uura seeraatiin kan muudame yoo ta'e qopheessichi itti gaafatamaa ni ta'a;

(c) hojii maxxansaa keewwata xiqqaa 2(b) jalatti ibsameen ala hojii maxxansaa biroon yoo ta'e qopheessaan olaanaan itti gaafatamaa kan ta'u maxxansichi maxxanfamee yeroo bahetti barreessichi lubbuun kan hin jirre yoo ta'e qofadha. Ta'us, maqaan qopheessichaa, maqaan masoosaa yookiin maqaansaa dhugaa hin taane hayyama qopheessichaatiin ala bu'aa pireesichaa irratti ibsamuun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e qopheessichi itti gaafatamaa hin ta'u;

(d) maxxansa yeroo yeroon bahuun ala hojii maxxansaa biroo ilaalchisee akka qopheessaa maxxansichaatti kan lakkaawamu barreessaa maxxansichaa yoo ta'uu baates maxxansichi akka maxxanfamuufi tamsaafamu kan taasise nama kamiyyuudha;

(e) bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2(a), (b), (c) fi (d)tiin maxxansaafi tamsaasa pireesichaatiif barreessichi yookiin qopheessichi itti gaafatamaa yoo hin taane yookiin kan du'e yoo ta'e maxxansiisaan itti gaafatamaa ni ta'a, raawwii keewwata xiqqaa kanaatiif jecha akka maxxansiisaatti kan lakkaawamu hojiiwwan maxxansaalee biroo fudhachuun maxxansaafi tamsaasaaf qaqqabsiisuuf nama hojjetu kamiyyuudha;

www.abyssinialaw.com

(f) eenyummaa maxxansiisichaa mirkaneessuun kan hin danda'amne yoo ta'e yookiin maxxansiisaan kan hin jirre yoo ta'e maxxansaan itti gaafatamaa ni ta'a;

(g) hojiin maxxansaa yeroo yeroon maxxansa bahu keessatti kan hin hammatamne yoo ta'u tumaan keewwata xiqqaa 1(e) ;

nama maxxansicha tamsaasu irratti haala wal fakkaatuun raawwatamaa ni ta'a.

3. Bu'aan sabqunnamtichaa raadiyoon yookiin televiiziyoonaan yookiin maloota sabqunnamtii kana fakkaataniin kan tamsa'u yoo ta'e hogganaan sagantichaa, hogganaan sagantichaa kan hin jirre yoo ta'e abbaan hayyamichaa itti gaafatamaa ni ta'a.
4. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1), (2) yookiin (3) tiin ibsameen bu'aa sabqunnamtichaaf sadarkaa jalqabaatti namni itti gaafatamaa ta'e biyya keessatti bakki jireenya isaa kan hin beekamne yoo ta'e, yookiin teessoo bakka jireenya isaa mirkaneessuun kan hin danda'amne yoo ta'e namni isatti aanee ibsame itti gaafatamaa ni ta'a.
5. Keewwata kanaan yakka karaa bu'aalee sabaqunnamtiin raawwatameef itti gaafatamummaa murteessuuf jecha qabiyyeen bu'icha beekumsaafi hayyamamummaa nama itti gaafatamummaan irra jiruun akka gale, maxxanfame yookiin tamsa'etti lakkaawama.

Dhimma kana irratti ragaa faallaan akka dhihaatu hin hayyamamu.

Keewwata 44. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Addaa Barreessichaa, Nama Yaada Burqisiisee Yookiin Maxxansiisichaa

1. Tumaaleen keewwata 43 akkuma eegamanitti ta'ee yakkoota karaa sabqunnamtiin raawwataman, meeshaa waraanaa qabachuun finciluu yookiin waraana sumaansii kaasuun mootummaarratti yakka raawwatamu /keewwata 240/, ganuun /keewwata 248-250/, basaasaan /keewwata 252/, gocha yakkaaf kakaasuufi miiltummaan, yaalii kakaasuuf yookiin miiltummaan /keewwata 255/, tuttuquufi hojii qopheessuu qabatamaa hin taane raawwachuu /keewwata 257/, yakkoota mirga namoomaa irratti raawwatamaniin /keewwata 269-274/, ajajoonni loltummaa akka caban taasisuuf nama biroo kakaasuun /keewwata 332/, iccitii loltummaa ibsuu

www.abyssinialaw.com

/keewwata 336/, iccitii loltummaafi mootummaa ibsuun /keewwata 396 fi 397/, oduu sobaa hafarsanii ummata kakaasuun /keewwata 486 (b)/, yookiin itti gaafatamummaa iccitii eeguu seeraan ajajame ta'e jedhee darbuun bu'aa sabqunnamtiin ibsameen yookiin tamasa'e barreessummaan, yaada burqisiisuun, yookiin maxxansiisummaan hirmaachuun raawwii yakkichaa irratti namni hirmaate kamiyyuu yakkichaaf itti gaafatamaa ni ta'a.

2. Yommuu akkas ta'etti namoota akka raawwataa yakkaa muummeetti, kakaastummaatti yookiin miiltummaatti yakkicha raawwatan irratti tumaaleen seera kanaa hirmaattummaa yakkaa ilaallatan raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 45. Madda Odeeffannoo Iccitiin Eeguu

1. Maxxansiisaan yookiin qopheessaan maxxansa pireesii yeroo yeroon hin baanee kamiyyuu maqaa barreessichaa yookiin maqaa masoo isaa bu'aa pireesichaa irratti akka ibsu dirqisiisuun kan dhorkamedha.
2. Maxxansiisaan yookiin qopheessaan pireesii kamiyyuu madda oduu yookiin odeeffannoo itti fayyadamee akka ibsu hin dirqamu.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatuyyuu:
   (a) seera kanaan tumaalee bulchiinsa heera mootummaa, humna ittisa biyyaa, tasgabbii mootummaafi nageenya biyyoolessaa eeguuf bahan darbuun yakkoota raawwataman ilaalchisee balaa ifaafi dhiyoo ta'e kan hordofsiisu yommuu ta'u;
   (b) himannaa yakkaa cimaan yommuu mudatuufi madda odeeffannichaa beekuun filannoo kan hin qabneefi murteessaa ta'ee yommuu argamu;

maxxansiisaan yookiin qopheessaan pireesichaa madda odeeffannichaa akka ibsu mana murtiin ajajamuu ni danda'a.

Keewwata 46. Itti Gaafatamummaa Dachaa Hambisuu

Bu'uura walduraa duuba seeraan tumameen hoggantoota keessaa tokko yoo adabame sababuma gocha kanaan kanneen biroo itti gaafatamummaan ala ta'anii adabbii irraa bilisa ni ta'u.

www.abyssinialaw.com

Ta'us, jaarmiyaan sabqunnamtii kamiyyuu walduraa duuba kamiiniyyuu raawwataa yakkaa ibsame waliin yookiin dhuunfaan yakkaan gafatamuurraa bilisa hin ta'u.

Keewwata 47. Mirga Addaa

Maloota sabqunnamtiin akka hin ibsamne seeraan yookiin murtii ifatti kennameen kan dhorkame yoo ta'e malee, seera baastuun, abbootiin taayitaa bulchiinsaa yookiin murtii, barreessaan falmiiwwan yookiin murtiiwwan dhugaafi sirrii, maxxansiisaan yookiin namni mala sabqunnamtiin dhiyeessaa ta'e yakkaan gaafatamaa hin ta'u.

Mata Duree Sadi

Haalawwan Raawwaticha Yakkaa Adabsiisan

Boqonnaa Tokko

Itti Gaafatamummaa Yakkaa

Kutaa Tokko

Itti Gaafatamummaa Idilee

Keewwata 48. Itti Gaafatamummaa Yakkaafi Guutummaatti Itti Gaafatamummaan Ala Ta'uu

1. Bu'uura tumaalee idilee seera yakkaatiin kan adabamu, gocha raawwateef raawwataa yakkaa itti gaafatamaa ta'e qofadha.
2. Namni kamiyyuu umuriin, dhukkubaan, qummuuna guddinaa hin baratamneen, yookiin jeeqama cimaa dandeettii hubannaa yookiin madaaluu sammuun, yookiin sababoota armaan gaditti keewwata 49 keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman keessaa tokkoon yookiin sababa xiinlubbuu wal fakkaataa biroo kamiiniyyuu gocha yakkaa yommuu raawwatutti akaakuu yookiin bu'aa gochichaa hubachuuf yookiin bu'uura hubannaa kanaatiin gonkumaa of to'achuu kan hin dandeenye yommuu ta'u, gocha raawwateef gonkumaa kan itti hin gaafatamne waan ta'eef hin adabamu.

www.abyssinialaw.com

3. Manni murtii raawwataa yakkaa itti gaafatamaa hin taaneef eeggannoowwan yaalaa yookiin eegumsa mijaa'aa ta'an kan seeraan tumaman akka taasifamaniif ni ajaja /keewwata 129-131/.

Keewwata 49. Itti Gaafatamummaa Gartokkee

1. Sababoota armaan olitti keewwata 48 keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsaman keessaa tokkoon yookiin sababa dhukkuba sammuutiin haala sirriin madaaluu yookiin hubachuu dadhabuutiin, qummuuna guddina sammuutiin, yookiin haala hin baratamne yookiin guutuu hin taaneen yookiin sababa xiinlubbuu wal fakkaataa biroo kamiyyuurrattii namni argamu gocha yakkaa yommuu raawwatu akaakuu yookiin bu'aa gochichaa hubachuuf yookiin bu'uura hubannaa kanaatiin of to'achuuf dandeettiin inni qabu gartokkee yoo ta'e, yakka raawwateef adabbii tumame keessaa gartokkeen irratti raawwatamaa ni ta'a. Manni murtichaa adabbicha akka itti fakkaatetti kan murteessu bu'uura keewwata 180 tiin ta`a.
2. Manni murtichaa adabbicharratti dabalataan bu'uura seerichi hayyamuun /keewwata 129-131/ wallaansi yookiin eegumsi akka taasifamuuf yookiin amalli isaa akka sirraa'u ajaja barbaachisaa kennuu ni danda'a.

Keewwata 50. Yakkoota Machiidhaan yookiin Haala Wal Fakkaataa Biroon Itti Gaafatamummaan Ala Ta'uun Uumameen Raawwataman

1. Namni kamiyyuu yakka tokko raawwachuuf karoorsuun yookiin raawwachuu akka danda'u osoo beekuu dhugaatii alkooliitiin yookiin wanta sammuu adoochuun yookiin tooftaa akaakuu birootiin itti yaadee gara itti gaafatamummaa guutuun ala yookiin itti gaafatamummaa gartokkeetti ofgalchuun yakkicha kan raawwate yoo ta'e; tumaaleen bilisa baasan yookiin adabbii salphisan raawwatamoo hin ta`aniif.

   Dhimma akaakuu akkanaa irratti tumaaleen waliigalaa yakkaa raawwatamoo ni ta'u**.**

2. Raawwatichi yakka raawwachuuf kan isa saaxilu ta'uu isaa osoo beekuu yookiin beekuu osoo danda'uu yookiin beekuu osoo qabuu badii isaatiin gara itti gaafatamummaa guutuun alaatti yookiin itti gaafatamummaa gartokkeetti erga

www.abyssinialaw.com

ofgalchee booda haala kanaan osoo jiruu yakka kan raawwate yoo ta'e; yakkichi bu'uura dagannoon kan adabasiisu ta'ee yoo argame raawwatichi bu'uura tumaalee idilee yakka dagannoo ilaalchisee tumamaniin itti gaafatamaa ni ta'a /keewwata 59/.

3. Raawwatichi badii ofiisaatiin gara itti gaafatamummaa guutuu alaatti erga ofgalchee booda yakka raawwachuuf hin barbaanne yookiin hin yaanne raawwatee yommuu argamu, tumaan nageenya ummataa irratti miidhaa geessiisuu ilaalchisee kutaa addaa seera kanaa keessatti tumame /keewwata 491/ raawwatamaa ni ta'a.
4. Namni balleessaa tokkollee osoo hin qabaatiin yookiin nama biraatiin dirqamee haala itti gaafatamummaa guutuun alaa keessa yommuu jirutti yakka raawwate yakkaan gaafatamaa hin ta'u.

Keewwata 51. Haalawwan Shakkisiisaan Yommuu Mudatan Qorannoo Ogeessa Addaatiin Taasifamu

1. Itti gaafatamummaan guutuu yookiin gartokkee himatamtichaa shakkisiisaa ta'ee yommuu argamu hunda manni murtichaa waa'ee dhimma kanaa beekumsa addaa kan qabu yaada ogeessaa gaafachuu qaba; barbaachisaa yoo ta'es amala, seenaa jireenyasaa darbeefi haalawwan himatamtichaa irratti qorannoon akka taasifamu ajaja kennuu ni danda'a.

   Keessumattuu, himatamtichi dhukkuba sammuu kan qabu yookiin dhukkuba gaggabdoon kan jeeqamu ta'uusaaf, yookiin dhagahuufi dubbachuu kan hin dandeenye ta'uusaaf yookiin wanta sammuu adoochuun yookiin dhukkuba yeroo hunda dhugaatii amaleeffachuun kan tuqame ta'uu isaa haalawwan agarsiisan yommuu argamanitti; kanumaaf yaada ogeessa beekumsa addaa qabuu gaafachuun dirqama.

2. Manni murtichaa bu'uura sirna baratameen ogeessa yookiin ogeessota dandeettii addaa qaban ni filata. Akkasumas hojii isaaniifi dhimmoota isaan qulqulleessan ibsee isaan beeksisa.

www.abyssinialaw.com

Qorannichi himatamtichi yommuu yakkicha raawwateefi murtiif yommuu dhihaatetti haala jiru, dandeettii madaaluufi murteessuu isaarra bu'aa geessisuu danda'u mirkaneessuu qaba. Dabalataanis, akaakuu yaalaa fayyadan yookiin tarkaanfilee mirkaneessa nageenyaa mana murtichaaf ibsuu qaba.

3. Manni murtichaa bu'uura ibsa argame kanaatiin itti gaafatamummaa himatamaa ilaalchisee murtii seera qabeessa barbaachisaa ta'e ni kenna. Manni murtichaa dhimmicha irratti bu'uura godhatee qabachuu kan qabu yaada ogeessichi addaa akkaataa seeraatiin dhiheessuuf osoo hin taane gama saayinsiitiin sirriitti qoratamee bu'aa ibsa dhihaateef irratti bu'ureffachuun ta'a.

Kutaa Lama

Raawwattoota Yakkaa Daa'immaniifi Dargaggoota Gaa`ela Hin Geenyee

Keewwata 52. Seerri Yakkaa Daa'imman Irratti Raawwatiinsa Kan Hin Qabaanne Ta'uu Isaa

Daa'imman umuriin isaanii waggaa sagal hin guunne seera yakkaatiin itti gaafatamtoota ta'anii hin lakkaawaman. Isaan kana irrattis tumaaleen seera yakkaa kanaa raawwatamoo hin ta'an**.**

Daa'imman yakka yommuu raawwatan maatiin, barsiisonni, bulchitoonni isaanii yookiin qaamoleen biroo eeggannoowwan barbaachisaa ta'an ni taasisuuf.

Keewwata 53. Tumaalee Addaa Raawwattoota Yakkaa Dargaggoo Ta'an Irratti Raawwataman

1. Dargaggoonni umuriin isaanii waggaa sagalii hanga kudha shanii guute yakka yommuu raawwatan adabbiifi tarkaanfileen eeggannoo isaan irratti murtaa'an keewwata 157-168 jalatti kanneen tumaman qofadha**.**

Tumaaleen adabbiilee idilee balleessitoota ga'eessotaaf tumaman raawwattoota yakkaa dargaggootaaf raawwatiinsa hin qaban; ga'eessota waliinis hin hidhaman.

www.abyssinialaw.com

2. Dargaggoonni raawwattoota yakkaa ta'an yakka raawwataniif balleessaa ta'anii kan argaman yoo ta'e malee seera kana keewwata 158-168 jalatti tumaaleen jiran raawwatamoo hin ta'an**.**

   Ta'us, dargaggichi itti gaafatamummaa kan hin qabne yommuu ta'etti tumaaleen seera kanaa keewwanni 129-133 raawwatiinsa ni qabaatu.

Keewwata 54. Ragummaafi Qulqulleessa Ogeessa Addaa

1. Manni murtichaa murtii kennuuf barbaachisaa ta'ee yommuu itti mul'atutti, amala dargaggoo gaa`elaaf hin geenyee, haala guddisa isaa, haala jiruufi jireenya isaa odeeffannoo beekuu barbaadu ni gaafata. Warra, barsiisota, bulchitoota isaafi dhaabbilee dhimmi ilaallaturraa yaada fudhachuu ni danda'a**.**

   Namoonniifi jaarmiyaaleen armaan olitti ibsaman dargaggoo gaa`elaaf hin geenye, akkasumas maatiisaa kan ilaallataniifi galmeelee dhuunfaa harka isaaniitti argaman, keessumattuu odeeffannoowwan barreeffamaa waa'ee fayyaafi jireenya hawaasummaa isaa tarreeffamaan qabatan akka dhiheessan manni murtichaa ajajuu ni danda'a**.**

2. Manni murtichaa adabbii yookiin tarkaanfilee eeggannoo murteessuu isaatiin dura dargaggoon gaa`elaaf hin geenye wiirtuu fayyaa yookiin barnootaa tokkotti, mana keessatti yookiin bakka mijaa'aa birootti hordoffiin irratti taasifamaa akka turu ajajuu ni danda'a**.**

   Manni Murtichaa haala qaamaafi sammuu dargaggoo badii raawwatee ilaalchisee ragaa ogeessaa gaafachuu ni danda'a. Akkasumas, haala qaamaafi sammuu dargaggichaa beekuufi tarkaanfii barumsaa, sirreeffamaafi eegumsaa mijaa'aa ta'e murteessuuf akka isa gargaaruuf ogeessichaaf gaaffiiwwan barbaachisaa ta'an dhiyeessuu ni danda'a.

3. Manni murtichaa yommuu murtii kennu bu'uura taasisee qabachuu kan qabu yaada ogeessichi addaa gama seeraatiin dhiheessuuf osoo hin ta'iin bu'aa gama saayinsiitiin sirrriitti qoratamee isaaf dhihaatudha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 55. Akkaataa Murtii Adabbichaa Yookiin Tarkaanfii Eeggannoo

Manni murtii dargaggicha badii raawwate irratti adabbii yookiin tarkaanfii eeggannoo yommuu murteessutti umurii, amala, haala guddina sammuufi hamilee isaa, akkasumas adabbichi yookiin tarkaanfichi eeggannoo balleessicha irratti jijjiirama gaarii fiduu danda'u tilmaama keessa galchuun ta'a.

Manni murtichaa bu'aa fooyya'aa argamsiisa jedhee yommuu itti amanu ajajicha jijijjiiruu ni danda'a /keewwata 164/.

Keewwata 56. Raawwattoota Yakkaa Dargaggoota Waggaa 15 Ol, Waggaa 18 Gadi Ta'an

1. Raawwatichi yakka yommuu raawwatetti umurii waggaa kudha shan caalu qabaatee, garuu immoo waggaa kudha saddeet kan hin guunne yoo ta'e; dhimmichi kan ilaalamu bu'uura tumaalee idilee seericha keessatti ibsamaniin ta'a.
2. Ta'us, manni murtichaa adabbicha kan murteessu haala dubbichaa madaaluun keessumattuu, hamma umurii dargaggummaa himatamtichaa, sirraa'uu kan hin dandeenye ta'uu isaafi balaafamummaa isaa, carraan amalli isaa fooyya'uu danda'uu kan isa qunnamu ta'uufi ta'uu dhabuu isaa hubachuun tumaalee idilee adabbii salphisan /keewwata 179/ bu'uura godhatee qabachuun yookiin fooyya'aa ta'ee yoo itti mul'ate sirna murtii adabbii addaa yakkamtoota gaa`elaaf hin geenyeef ramadame /keewwata 166-168/ hordofuunidha.

Boqonnaa Lama

Yakkaan Balleessaa Ta'uu

Kutaa Tokko

Yaada, Dagannoofi Wanta Tasaa

Keewwata 57. Qajeeltoo, Badii Yakkaafi Wanta Tasaa

1. Bu`uura seerichaatiin balleessummaan isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e malee namni kamiyyuu adabamuu hin danda'u.

www.abyssinialaw.com

Namni gocha isaatiif itti gaafatamaa ta'uu qabu itti yaadee yookiin dagannoon yakka tokko kan raawwate yoo ta'e malee yakkaan balleessaa hin ta'u**.**

2. Namni kamiyyuu gochi inni raawwate seeraan kan adabsiisu yoo ta'ellee badii tokko osoo hin raawwatiin yookiin sababa humnaa ol ta'een yookiin wanta tasa mudateen kan raawwatame yookiin kan qaqqabe ta'ee yommuu argamu seera yakkaatiin itti murtaa'uu hin qabu**.**

Kutaa Xiqqaa Tokko

Yakka Qeenxeen Balleessaa Ta'uu

Keewwata 58. Itti Yaaduun Yakka Raawwachuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee yakka raawwateera kan jedhamu:
   (a) bu'aa murtaa'e tokko argachuuf jedhee gocha seeraan alaafi adabsiisu osoo beekuu fedhii isaatiin kan raawwate yoo ta'e; yookiin
   (b) gochichi seeraan alaafi bu'aa adabsiisu kan hordofsiisu ta'uu isaa osoo beekuu kan ta'e haa ta'u jedhee bu'aa isaa fudhachuun gochicha kan raawwate yoo ta'edha.
2. Gochi yakkaa itti yaadamee raawwatame bu'uura seeraatiin /keewwata 68 hanga 81/ kan hin adabsiisne yookiin dhiifama kan kennisiisu yoo ta'e malee yoomiyyuu ni adabsiisa.
3. Tumaaleen dagannoo ilaalchisanii tumaman akkuma eegamanitti ta'ee namni kamiyyuu waan hin beekneen, waan hin barbaanneen yookiin kallattiin yookiin tasaan wanta yaada isaatiin ol ta'een itti murtaa'uu hin danda'u.

Keewwata 59. Dagannoon Yakka Raawwachuu

1. Namni kamiyyuu dagannoon gocha yakkaa raawwateera kan jedhamu:
   (a) gochichi yakkaan bu'aa adabsiisu kan hordofsiisu ta'uu isaa osoo beekuu hin qaqqabu tilmaama jedhuun yookiin madaaluu dhiisuun;yookiin
   (b) gochichi yakkaan bu'aa adabsiisu kan hordofsiisu ta'uu isaa beekuu osoo qabuu yookiin beekuu osoo danda'uu, tilmaamuu dadhabuun yookiin yaaduu dhiisuun;

www.abyssinialaw.com

gochicha kan raawwate yoo ta'edha.

Dagannoon yakkaa jira kan jedhamus haalli dhuunfaa raawwataa yakkichaa, keessumattuu umuriin isaa, muuxannoo jireenyaa inni qabu, sadarkaa barumsa isaa, hojiin isaafi sadarkaan jireenya hawaasummaa isaa yommuu madaalamu haalawwan dhimmichaatiin raawwatamuu qabu jedhamee eeggannoowwan roga qabeessa barbaachisaa ta'an kan hin taasisne yoo ta'edha.

2. Akaakuu yookiin cimina badii raawwatameen yookiin sababa balaa hawaasarraan gahuu danda'uun seera keessatti addatti ni adabsiisa jedhamee kan tumame yoo ta'e malee gochi dagannoon raawwatame hin adabsiisu.

Manni murtichaa raawwaticha yakkaa irratti adabbii kan murteessu, bu'aa gochichi hordofsiisuu danda'u, raawwataan yakkichaa sammuu isaatiin osoo hubatuu yookiin hubachuu osoo qabuu madaaluu dhabuu isaarraan kan ka'e sadarkaa badii raawwateefi amala balaafamummaa isaa qorachuunidha.

Kutaa Xiqqaa Lama

Yakkoota Dachaafi Irra Deddeebi'ummaan Balleessaa Ta'uu

Keewwata 60. Yakkoota Dachaa

Namni kamiyyuu yakkoota dachaa raawwateera kan jedhamu:

(a) yakkoota qabatamoo akaakuu tokko yookiin addaddaa lama yookiin lama kan caalan kamiyyuu walitti aansuun kan raawwate yoo ta'e; yookiin

(b) gocha tokkoon yeroo tokkotti tumaalee seeraa lama yookiin lamaa ol ta'an darbuun yookiin gocha tokkoon yakkoota bu'aa qabatamaa addaddaa hordofsiisan raawwachuun yakkoota dachaa kan raawwate yoo ta'e; yookiin

(c) yaada yakka tokko raawwachuun yookiin dagannoon yakki inni raawwate tumaa seeraa tokko kan darbu ta'ee mirga yookiin faayidaa namoota lakkoofsi isaanii lamaa ol ta'erratti miidhaa akaakuu tokko qabu kan hordofsiise yoo ta'edha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 61. Badii Tokkoof Adabbiin Tokko Ta'uu Isaa

1. Mirga seeraan eegame tokko irratti gochoonni yakkaa walitti makaman tokko yookiin tokkoo ol ta'an kan raawwataman yaada yakka tokko raawwachuuf yookiin dagannoon yommuu ta'uufi gochoonni kun hundi tumaa seeraa tokkoon kan hammataman yommuu ta'u raawwataan yakkichaa tumaalee adabbii dachaa amala wal fakkaataa qaban lamaafi lamaa ol caalaniin hin adabamu.
2. Mirga seeraan eegame tokko sanarratti irra deddeebi'amanii yookiin walitti aananii gochoonni yakkaa raawwataman yaada yakka tokko raawwachuuf yookiin dagannoon yommuu raawwataman akka yakka tokkootti lakkaawamu. Raawwataan yakkichaa yakka akka yakka tokkootti lakkaawameef yookiin walitti aanuun raawwatameef kanaan malee tokkoon tokkoon gochichaa walitti aanee raawwatameef hin adabamu.

   Akkasumas, raawwatichi yakkaa gochoota yakkaa irra deddeebi'ee yookiin walitti aansee raawwachuun isaa; yookiin yakka akka amaleeffannaatti yookiin ogummaatti qabachuun isaa yakka salphaa yookiin yakka adabbii cimsuu danda'u tokko kan hundeessu ta'uun isaa yookiin gochi yakkichaa yeroo murtaa'eef dheeratee yommuu turu akka gocha yakka qeenxee raawwateetti malee yakkoota dachaa akka raawwatetti hin lakkaawamu.

3. Raawwatichi yakka murtaa'e raawwachuuf yaada qaba jedhamee yommuu tilmaamamutti; keessumattuu badhaadhina hin malleef argachuuf qabeenya irratti yakka kan raawwate yoo ta'e yookiin maallaqa sobaa kan hojjete yoo ta'e yookiin maallaqni kun akka naanneffamu taasiseera yoo ta'e yookiin sanada sobaa qopheessee yookiin itti fayyadameera yoo ta'e; kaayyoo badii isaa isa jalqabaa galmaan gahuuf jecha yakka bu'uura ta'e booda walitti aansuun gochi inni raawwate yaada isaa duraaniifi galma bira gahuuf karoorfate waliin hariiroo kan qabu ta'ee yakkicha muummee keessatti ni hammatama.

Keewwata 62. Yakka Adabbii Haaraa Hordofsiisu Irra Deddeebi'uu

Raawwatichi armaan olitti yakka amala keewwata 61 jalatti ibsame qabu erga raawwatee booda yakka duraan raawwatee ture waliin amala wal fakkaataa kan

www.abyssinialaw.com

qabu yaada haarawaan yookiin dagannoon yakka biraa irra deebi'uun yoo raawwate, yakkicha kan raawwate nama duraan miidhee ture yookiin mirga seeraan eegame sana irratti ta'uyyuu yakki kun yakka haaraa waan ta'eef manni murtichaa keewwata 184 jalatti yakkoota dachaa ilaalchisee bu'uura tumameen adabbicha ni cimsa.

Keewwata 63. Yakkoonni Hariiroo Qaban Yommuu Raawwataman Balleessummaa Jiru

Raawwatichi yakka biroo raawwachuuf akka isaaf mijatu yookiin yakka duraan raawwateef dawoo akka isaaf ta'u yakka biroo kan raawwate yoo ta'eefi yakka muummee raawwachuuf yaade kanaaf yoo xiqqaate kan yaale yoo ta'e, seerichi akka yakka cimaa tokkootti kan lakkaa'u yoo ta'e malee dambiin raawwii adabbii waa'ee adabbii yakkoota dachaa /keewwata 184/ jalatti kan tumame irratti ni raawwatama.

Keewwata 64. Yakkoonni Qabatamoo Dachaa Kan Biroon Yommuu Raawwataman Balleessummaa Jiru

Keewwata 62 yookiin 63 jalatti kan ibsameen alatti yakkoota walfakkaataa yookiin addaddaa raawwatichi yakkaa walitti aansee kan raawwate yoo ta'e, yakkoota dachaa qabatamoo raawwachuu isaatiin tumaan keewwata 184 irratti ni raawwatama.

Keewwata 65. Tumaalee Seeraa Darbuun Yakkoota Dachaa Raawwachuun Balleessummaa Jiru

Raawwatichi yakkaa gocha tokkoon yeroo tokkotti tumaalee seeraa dachaan kan darbe yoo ta'e yakka dachaa raawwachuu isaatiin adabbiin kan murtaa'u bu'uura keewwata 187 (1) tiin ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 66. Yakkoota Dachaa Bu'aa Qabatamaa Hordofsiisan Ilaalchisee Balleessummaa Jiru

1. Meeshaa waraanaan, meeshaa balaafamaan, ibiddaan, wanta dhohuun, summiin, yookiin qoricha adoochu fayyadamuun nama yookiin qabeenya irratti miidhaa qaqqabsiisuun yakki tokko yommuu raawwatamu yakki biroo kan akka lubbuu namaa dabarsuu yookiin qaama namaa yookiin qabeenya namaarratti miidhaa qaqqabsiisuu, kan kana fakkaatu yakki biroo raawwatamee yommuu argamu manni murtichaa balleessummaafi adabbii raawwataa yakkichaa kan murteessu bu'uura qajeeltoowwan armaan gadiitiin ta'a;
   (a) raawwatichi yakka jalqabaa kan raawwate bu'aa yakkichi argamsiisuu yookiin hordofsiisuu danda'u karoorfachuun yookiin dursee beekee fudhachuun yoo ta'e /keewwata 58(1)/, yakkoota itti yaadee raawwate tokkoo ol ta'an hundeessuuf haalawwan isaaniif ta'an guutamuu isaanii mirkaneessuun bu'uura tumaalee dhimmicha ilaallataniin /keewwata 184 fi 187(2)(a)/ manni murtichaa yakkoota dachaa sanaaf adabbicha cimsuun ni murteessa.
   (b) yakki raawwatichi itti yaadee raawwate yakka dagannoon adabsiisu yommuu hordofsiise /keewwata 59(1)/ yakkoonni inni itti yaadeefi dagannoon raawwate dachaa waan ta'aniif, manni murtichaa bu'uuruma kanaan adabbicha ni cimsa /keewwata 187(2)(a)/.
   (c) yakki raawwatichi dagannoon jalqaba raawwate yakka dagannoon adabsiisu kan biroo yommuu hordofsiise yakkoonni dagannoon raawwataman dachaa waan ta'aniif manni murtichaa bu'uuruma kanaan adabbicha ni cimsa /keewwata 187 (2) (b)/.
2. Keessumattuu nageenya hawaasaa irratti balaa kan qaqqabsiisan; kan akka balaa ibiddaa, wantoota dhohanitti fayyadamuun, qunnamtii ummataa yookiin fayyaa ummataa irratti balaa kan geessisu, akkasumas namoota balaaf saaxiluu, dhamaasuu, jeequmsa, dubartii ulfaarraa ulfa baasuu, yookiin dirqisiisanii gudeeduu raawwachuu ilaalchisee yakki muummee yommuu raawwatamuufi yakkichi dachaan bu'aa sababa kanaa yommuu ta'u, dambiin adabbii cimsuu tilmaama keessa galuu qaba /keewwata 187 (2) (c)/ fi /keewwata 184/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 67. Irra Deddeebii Ilaalchisee Balleessummaa Jiru

Raawwatichi yakkaa irra deddeebi'uun yakka raawwateera jechuun manni murtii adabbii kan cimsu /keewwata 188/ adabbii hidhaa itti murtaa'e guutummaan yookiin gartokkeen guyyaa xumure yookiin adabbiin kun dhiifamaan guyyaa hafeef irraa eegalee yeroo waggaa shanii keessatti yakka haaraa ka'umsi adabbii isaa hidhaa salphaa ji'a jaha ta'een adabsiisuu danda'u itti yaadee kan raawwate yoo ta'edha.

Kutaa Lama

Gochoota Seeraan Hayyamaman, Haalawwan Hin Adabsiisneefi Dhiifama Kennisiisan

Kutaa Xiqqaa Tokko

Gochoota Seeraan Hayyamaman

Keewwata 68. Gochoota Seeraan Ajajaman yookiin Hayyamaman

Gochoonni seeraan ajajaman yookiin hayyamaman keessumattuu:

(a) daangaa seeraa osoo hin darbiin hojii tajaajila ummataa raawwatame yookiin raawwii hojii mootummaa yookiin loltummaa gochoota ilaallatan yommuu ta'an;

(b) daangaa gocha sammuun fudhatama qabu baratame keessaa kan hin baane mirga sirreessa amalaa yookiin mirga aangoo raawwachiisa naamusaa gochoota hojiirra oolchan yommuu ta'an; yookiin

(c) mirga dhuunfaa seeraan beekamtii argate hojiirra oolchuuf gochoota raawwataman yommuu ta'aniifi raawwiin isaanii daangaa seeraa kan hin dabarre yoo ta'e;

akka yakkaatti kan hin lakkaawamneefi kan hin adabsiisnedha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 69. Dirqama Hojii Ogummaa

Dirqama hojii ogummaa bahuuf gochoonni raawwataman dambiifi hojmaata baratamaa ogummichaan ala yoo ta'uu baataniifi badii ogummaa cimaan yoo raawwataman malee hin adabsiisan**.**

Kutaa Xiqqaa Lama

Haalawwan Hin Adabsiisneefi Dhiifama Kennisiisan

Keewwata 70. Hayyama Miidhamaa

1. Yakki raawwatichi raawwate iyyannoo dhuunfaan kan adabsiisuufi gocha miidhamtichi yookiin bakka bu'aan seeraa isaa hayyame yoo ta'e hin adabsiisu.
2. Tumaan seera kanaa keewwanni 573 akkuma eegametti ta'ee, namni kamiyyuu kaayyoo daldalaa osoo hin qabaatiin waliigaltee fedhii isaatiin taasisuun, namni biraa faayidaa dhuunfaa isaatiif akka oolchu yookiin jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef qorannoo yookiin yaalii saayinsawaa rogummaafi barbaachisummaa qabu akka irratti gaggeessu qaama isaa, kutaa qaama isaa yookiin qaama isaa keessaa tokko lubbuun osoo jiruu yommuu kennutti yookiin erga du'ee booda akka kennamu yommuu taasisu fudhataan yakkaan itti hin gaafatamu.

Keewwata 71. Guutummaan Dirqisiifamuu

Karaa ofirraa ittisuu hin dandeenyeen miidhaa guutummaan dirqisiifamee irra gahuuf ture haala hin caalleen namni yakka raawwate yakka dirqamee raawwateef hin adabamu /keewwata 32(1) (c)/.

Manni murtichaa haalli guutummaan dirqisiifamuu jiraachuu isaa kan murteessu haala dubbichaa, keessumattuu, akaakuu dirqisiifamichaa, hamma cimina isaas, akkasumas haala sadarkaa jireenyaa dirqisiifamaafi umurii isaa, keessumattuu hanga humna lamaan isaaniifi haala gadaantummaafi olaantummaa dirqisiifamaafi dirqisiisaa gidduu jiru tilmaama keessa galchuunidha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 72. Dirqisiifama Mo'achuun Danda'amu

Dirqisiifamni irra qaqqabe dhorkamuu kan danda'amu ta'ee mo'achuuf yookiin gochicha raawwachuu jalaa miliquuf dandeettii osoo qabuu nama yakka raawwate irratti manni murtii akka itti fakkaatetti adabbicha ni salphisa /keewwata 180/.

Keewwata 73. Itti Gaafatamummaa Nama Ajaja Kennuu

Namni ajajamaa ta'e muudamaa bulchiinsaa yookiin loltummaa olaanaa mirga ajajuu qaburraa ajaja ifatti kennameefiin gocha tokko yommuu raawwatutti, gochichi yakka yoo ta'eefi ajaja kennameefiin ala yoo hin taane /keewwata 58(3)/ yakka raawwatameef itti gaafatamaa kan ta'uufi kan adabamu nama ajajicha kennedha.

Keewwata 74. Itti Gaafatamummaa Raawwataa Ajajichaa

1. Raawwataan ajajichaa ajajichi seeraan ala ta'uu isaa, keessumattuu, ajajaan ajajicha kennuuf aangoo kan hin qabne ta'uu yookiin gochichi yakka ta'uu isaa osoo beekuu, gochi raawwates ajjeechaa lubbuu yookiin gubiinsa yookiin namoota yookiin qabeenya yookiin nageenya biyyaafi faayidaalee gurguddoo hawaasaa yookiin seera addunyaalessaa irratti balaa cimaa qaqqabe yommuu ta'u badii isaaf itti gaafatamaa ta'ee ni adabama.
2. Raawwataan ajajichaa miirri naamusa eeguu yookiin ajajamummaa itti dhagahamee ajajicha kan raawwate yoo ta'e manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbicha salphisuufii ni danda'a; keessumattuu, ajajichi dirqisiisaa yoo ta'e manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.

Raawwataan ajajichaa badii kan raawwate hojii mootummaa yookiin gocha naamusa hojii loltummaa raawwachiisuuf dirqamni kan irra jiru ta'ee ajajicha mormuufi falmuuf kan hin dandeenye ta'uu isaatiin kallattiin raawwachuu malee karaa wayyaa'aa biroo argachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa manni murtichaa ifatti yommuu hubatetti adabbicha guutummaan hambisuufii ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

3. Raawwataan ajajichaa ajaja kennameen ala darbuun itti yaadee yakka raawwateef inni qofti itti gaafatamaa ta'ee ni adabama.

Keewwata 75. Haala Dirqisiisaa

Mirga ofii yookiin nama biroo balaa cimaa dhiheenyatti qaqqabu irraa oolchuuf gochi raawwatame, balaa kana karaa biraa dhabamsiisuun kan hin danda'amne yoo ta'eefi raawwatichi tooftaalee haalicha waliin wal madaalutti kan fayyadame yoo ta'e hin adabsiisu**.**

Lubbuu yookiin nageenya namaa eeguuf namni dirqama ogummaa adda ta'e qabu gochi wal fakkaataan inni raawwatu keewwata kana jalatti adabbii irraa bilisa isa hin taasisu; ta'us, manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/

Keewwata 76. Daangaa Haala Dirqisiisaa Darbuu

Bu'uura haalawwan naannoo dubbichaatiin mirga balaaf saaxilamee jiru aarsaa taasisuun barbaachisaa ta'ee yoo argame yookiin miidhaan nama biraa irratti raawwatame hamma barbaadamuu ol yoo ta'e; yookiin haalli dirqisiisaan raawwataan gochichaa keessa jiru yookiin haalli balaa sanaa badii isaatiin kan dhufe yoo ta'e; manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.

Keewwata 77. Haala Dirqisiisaa Loltummaa

1. Yeroo balaa loltummaa, keessumattuu, jeequmsa korannaa yoo ta'e yookiin adda waraanaa irratti ajajaan loltuu tokko yookiin muudamaan olaanaa ta'e hojii tajaajila isaa irra yommuu jirutti naamusa kabachiisuuf yookiin gocha ajajamummaa malu hojiirra oolchuuf yeroowwan tarreeffaman kana keessatti tasgabbii barbaachisaa argamsiisuuf tooftaan biraa dhabamuu isaatiin gochi raawwate hin adabsiisu.
2. Raawwatichi haalli dubbichaa kan dirqisiisu irra darbee raawwatee yoo argame manni murtichaa akka itti fakkaateen adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/,

www.abyssinialaw.com

yookiin haalli dubbichaa addatti kan dirqisiisu ta'ee yommuu argamu adabbicha irraa bilisa taasisuu ni danda'a.

Keewwata 78. Of Irraa Ittisuu Seera Qabeessa Ta`e

Mirga isaa yookiin kan nama biroo miidhaa seeraan alaa irraa yookiin miidhaa seeraan alaa dhiheenyatti qaqqabu irraa oolchuuf miidhaan sun akka hin qaqqabne taasisuuf karaan biroo yoo hin jiraanne hamma haalichaa osoo hin darbiin gochi raawwatame hin adabsiisu**.**

Keewwata 79. Hamma Of Irraa Ittisuu Seera Qabeessa Ta`e Darbuu

1. Tooftaa yookiin meeshaa wal madaalaa hin taaneen fayyadamuun yookiin miidhaa seeraan alaa yookiin miidhaa seeraan alaa dhiheenyatti qaqqabuun isaa hin oolle ittisuuf gocha barbaachisuu ol darbee raawwachuun hamma ofirraa ittisuu seera qabeessa ta'e nama darbeef manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.
2. Miidhaa ofirraa ittisuuf jecha badiin qaqqabsiise hamma isaa kan darbe sababa sodaa, naasuu tasaa yookiin aarii miidhaan sun hordofsiiseen dhiifama argamsiisuu danda'uun yoo ta'e manni murtichaa adabbicha irraa guutummaan hanga bilisa ta'uutti isa geessisuu ni danda'a**.**

Keewwata 80. Firii Dubbiitiin Dogoggoruu

1. Haala sirrummaa firii dubbichaa hubannoo dogoggoraa qabatee namni tokko gocha yakkaa kan raawwate yoo ta'e dhimmichi hubannoo dogoggoraa raawwatichaa bu'uura godhachuun ni ilaalama.

   Yakka raawwachuuf yaadee kan hin raawwanne ta'uun isaa kan ibsame yoo ta'e adabbiin isarra hin gahu. Ta'us, gochichi dagannoon kan isa adabsiisu yoo ta'u, bu'uura keewwata 59tiin gaafatamaa ni ta'a.

2. Firii dubbii dogoggoruun namni yakka raawwate gochi dogoggoraa inni raawwate kun yakka adabsiisu biroo kan hordofsiise yoo ta'e badii isaa kanaan adabamuu irraa hin oolu.

www.abyssinialaw.com

3. Dogoggorri eenyummaa miidhamaa yookiin wanta yakki irratti raawwatame irratti taasifame gochicha yakka ta'uu isaa hin hambisu.

Keewwata 81. Seera Irratti Dogoggoruufi Seera Wallaaluu

1. Seera wallaaluun yookiin seera irratti dogoggoruun ittisa ta'uu hin danda'u.
2. Gochicha raawwachuuf mirga kan qabu ta'uu isaa yaada qajeelaan amanuufi amantaa dogoggoraa akkanaa irratti argamuufis yakkamaa sababa gahaafi mirkanaa'e qabuuf manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.

   Manni murtichaa adabbii kan murteessu sababa dogoggora irra isa geessise, keessumattuu, haala naannoo dogoggorichaafi dubbichaa tilmaamuunidha.

3. Sabani gahaan kan itti argamuu danda'uufi gonkumaa beekuu dhabuufi yaada qajeelaa ta'een, akkasumas yakkicha raawwachuuf yaanni jiraachuun isaa haalawwan addaa ifatti hin mul'anneen manni murtichaa adabbii irraa bilisa taasisuu ni danda'a.

Kutaa Sadi

Sababoota Adabbii Salphisaniifi Cimsan

Keewwata 82. Sababoota Waliigalaa Adabbii Salphisan

1. Manni murtichaa murtii seeraan tumame osoo hin darbiin adabbii kan salphisu /keewwata 179/:
   (a) yakkamtichi hanga yeroo yakkicha raawwateetti amalli isaa yeroo hundaa gaarii yoo ta'eefi kan balleesses hanqina beekumsaatiin, beekuu dhabuun, garraamummaan, yookiin mudannaa hin yaadamneefi tasaan yoo ta'e;
   (b) yakkamtichi yakkicha kan raawwate fedhii kabajamaafi faayidaa dhuunfaa irratti hin hundoofneen yookiin amantaa olaanaa amantiin, safuun yookiin hawaasummaan kaka'ee yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

(c) yakkamtichi yakkicha kan raawwate dhabiinsa waan qabatamaa olaanaan yookiin dararama hamilee irra gaheen, wanti balaa cimaa fiduu danda'u kan itti aggaamame itti fakkaatee, sodaan bu`uura qabu irra gahee yookiin sababa dhiibbaa nama aangoo isaa jalatti inni ajajamuufiin yookiin isa bulchuun yoo ta'e;

(d) yakkamtichi yakkicha kan raawwate amalli nama miidhamee qorumsa cimaarra isa buusee, kakaastummaa jeequmsa cimaatiin yookiin sababa arrabsoo saalfachiisuun yookiin aarii cimaaf, dararama yookiin dallansuuf kan isa saaxile yoo ta'e; yookiin haala dirqamsiisa olaanaa qabuun miira jijjiiruun yookiin jeequmsa miiraa sababa qabu keessa seenuun yoo ta'e; yookiin

(e) yakkamtichi yakkicha erga raawwatee booda dhugumaan kan gaabbe ta'uu isaa, keessumattuu, nama miidhaa irratti qaqqabsiiseef gargaarsa barbaachisaa kennuun, yookiin badii isaa hubachuun qaamolee haqaatti ofkennuun yookiin hanga danda'ametti miidhaa badiin yakkichaa qaqqabsiiseef beenyaa kaffaluun gaabbuu isaa gochaan kan agarsiise yoo ta'e; yookiin himatamee yommuu mana murtiitti dhihaate tarreeffama yakkaa himannaa irratti ibsame hunda kan amane yoo ta'edha.

2. Kutaa addaa seerichaa keessatti tumaa addaatiin haalawwan yookiin sababoonni kun adabbii salphisuuf yommuu tumamanitti manni murtichaa sababootuma kana adabbii salphisuuf irra deebi'uun itti fayyadamuu hin danda'u.

Keewwata 83. Sababoota Addaa Adabbii Salphisan; Firummaafi Michummaa Cimaa

1. Bu'uura keewwata 180 tiin sababa addaa adabbii salphisan ta'uun isaanii haalawwan tumaalee addaddaa kutaa addaa seera kanaa keessatti ibsaman irratti dabalataan yakkamtichi gocha faallaa seeraa kan raawwate, keessumattuu yakka raawwachuu isaafi yakkamticha osoo beekuu abbaa taayitaa murtiitti dirqama beeksisuuf qabu kan hin raawwanne yookiin gargaarsa kennuuf qabu kan hin kennine, ibsa, ragummaa, yookiin odeeffannoo sobaa kan kenne yookiin yakkamtichi himannaa yookiin raawwii adabbii jalaa akka miliqu kan gargaare ofii

www.abyssinialaw.com

isaa, fira dhiigaa yookiin fira gaa`elaa isaa dhihoo yookiin michooma cimaa addaan nama isatti dhihaatu adabbiif, salphinaaf, yookiin balaa cimaaf akka hin saaxilleef yoo ta'e manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.

Manni murtichaa firummaa dhiigaa yookiin gaa`elaa yookiin walitti dhufeenya michooma cimaa isaaf dhihaate sababa gahaa ta'uu isaa mirkaneessuu qaba.

2. Badiin yakkamtichi itti gaafatamu baay`ee cimaa kan hin taaneefi walitti dhufeenyi firummaa yookiin michoomaa jedhame kun baay'ee cimaa ta'uu isaatiin haalli dubbichaa miira dhiphisuu isarraan kan gahe ta'uu isaatiin yoo ta'e; manni murtichaa yakkamticha akeekkachiisuun yookiin dheekkamsa qofaan bira darbuun adabbii murtaa'uu danda'u biroo irraa bilisa isa taasisuu ni danda'a /keewwata 122/.
3. Tumaaleen yakkoota balaa cimaafi olaanaa qaqqabsiisuu danda'an ilaallatan akkuma eegamanittidha /keewwata254 (4/, /keewwata 335(3) fi 682(4)/.

Keewwata 84. Sababoota Waliigalaa Adabbii Cimsan

1. Manni murtichaa murtii seeraan tumame osoo hin darbiin adabbiilee kan cimsu (keewwata 183):
   (a) yakkamtichi yakkicha kan raawwate gantummaan yookiin saragummaan, salphummaan yookiin amala badaa goomannaa, jibbiinsa, ofittummaa agarsiisuun, wanta gadhee raawwachuuf yookiin nama miidhuuf fedhii guutuu qabaachuun yookiin hammeenya yookiin garajabina addaatiin yoo ta'e;
   (b) yakkamtichi yakkicha kan raawwate aangoo isaa, hojii isaa, yookiin amantaa yookiin itti gaafatamummaa isarra kaa'ame haala hin malleen itti tajaajilamuun yoo ta'e;
   (c) yakkamtichi balleessummaa isaa duraatiin, yakka raawwachuu ogummaa yookiin barsiifata godhatee qabachuun isaa yookiin tooftaan, yeroon, iddoofi haalli raawwii yakkichaa, keessumattuu halkaniin yookiin shororkaan yookiin jeequmsaan, balaa dawoo godhachuun, meeshaa

www.abyssinialaw.com

waraanaatiin yookiin meeshaa balaafamaa biroon yakkicha raawwachuun balaafamaa addaa ta'uu isaa kan agarsiise yoo ta'e;

(d) yakkamtichi yakkicha kan raawwate bu'uura waliigaltee yakka raawwachuuf taasifameen yookiin kanneen biroo waliin ta'uun yookiin garee yakka raawwachuuf hundeeffame waliin waliigaluun yookiin miseensa ta'uun keessumattuu akka hogganaa, gurmeessaa yookiin gaggeessaa garee yakkaa ta'uun yoo ta'e; yookiin

(e) yakkamtichi yakkicha kan raawwate umurii isaatiin, haala fayyaa isaatiin, haala jireenya yookiin hojii isaatiin nama eegumsa addaa isa barbaachisu irratti keessumattuu, ofirraa ittisuuf nama humna hin qabne, dadhabbina sammuu, dhukkubsataa yookiin qaama midhamaa, hidhamaa, yookiin fira isaa dhiyoo irratti yookiin nama olaanaa isaa yookiin gadi aanaa isaa ta'e irratti yoo ta'e, abbaa taayitaa seeraan hundeeffame yookiin hojjetaa tajaajilaa ummataa dirqama hojii isaa raawwataa jiru irratti yoo ta'edha.

2. Haalawwan kun kutaa addaa seerichaa keessatti yakka hundeessuuf yookiin adabbii cimsuuf sababoota akka ta'an yommuu tumametti manni murtichaa adabbii yakkichaa cimsuuf jecha haaluma kana irra deebi'uun sababa gochuu hin danda'u.

Keewwata 85. Sababoota Addaa Adabbii Cimsan; Yakkoota Dachaafi Irra Deddeebii

Yakkoonni dachaafi irra deddeebii yommuu mudatan adabbichi kan cimu bu'uura seera kana keewwata 184 hanga188 jalatti tumameen ni ta'a**.**

Keewwata 86. Sababoota Waliigalaa Biroo Adabbii Salphisaniifi Cimsan

Adabbii salphisuuf /keewwata 179/ yookiin cimsuuf /keewwata 182/ kan dandeessisu, sababni gahaa biroon seeraan ifatti hin tumamne yommuu argamuufi

kanuma manni murtichaa kan fudhatu yommuu ta'u maaliif akka fudhate ibsuun barreessuu qaba.

www.abyssinialaw.com

Kitaaba Lammaffaa

Adabbii Yakkaafi Raawwii Isaa

Mata Duree Tokko

Adabbiileefi Tarkaanfilee Eeggannoo, Akkasumas Raawwii Isaanii

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 87. Qajeeltoo

Adabbiileefi tarkaanfileen eeggannoo seera kanaan tumaman kaayyoo seerichi bira gahuuf yaade mirkaneessuuf haala itti danda'amuun bu'uura yaada seerichaatiin raawwatamuu qabu /keewwata 1/.

Adabbiileefi tarkaanfileen eeggannoo yoomiyyuu kabaja namoomaa karaa eeguun raawwatamuu qabu.

Keewwata 88. Akkaataa Murtii Adabbiileefi Tarkaanfilee Eeggannoo

1. Manni murtichaa adabbiileefi tarkaanfilee eeggannoo kan murteessu tumaalee waliigalaa seera kanaa, akkasumas tumaalee kutaa addaa waa'ee yakkootaafi adabbiilee isaanii bu'uura godhachuun ta'a.
2. Adabbichi murtaa'uu kan qabu, hamma balaafamummaa amala dhuunfaa raawwataa yakkichaa, seenaa jireenyasaa darbee, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasaniifi kaayyoo yaada isaa, haala jireenya dhunfaa isaa, sadarkaa barumsa isaa, akkasumas, cimina yakkichaafi haalawwan raawwii isaa madaaluun ta'a.
3. Tumaaleen kutaa addaa seera kanaa akka eegamanitti ta'ee manni murtichaa adabbii baay'ee salphaa ta'e irraa eegalee hanga adabbii cimaatti kan jiru of eeggannoon qorachuun tokkoon tokkoon dhimmichaatiif adabbii malu ni murteessa.

www.abyssinialaw.com

4. Sirrummaan akkaataa murtii adabbiifi wal fakkaattummaa isaa mirkaneessuuf Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa qajeelfama (hujeekaa) ni baasa.

Keewwata 89. Yakkoota Baay'ee Salphaa Ta'an

Yakkoonni baay'ee salphaa ta'an yommuu mudatan manni murtichaa seera kanaan akeekkachiisa yookiin ceepha'uu /keewwata 122/ yookiin tumaalee dambii darbuu ilaalchisee tumaman hordofuun murteessuu ni danda'a.

Yakkoonni baay'ee salphaadha jedhaman yakkoota hidhaa salphaa ji'a sadi hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen kan adabsiisanidha.

Boqonnaa Lama

Adabbiilee Idilee Namoota Gaa`elaaf Gahan Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Adabbiilee Muummee

Kutaa Xiqqaa Tokko

Adabbiilee Maallaqaa

Kutaa Xiqqaa Gadi Aanaa Tokko

Adabbii Maallaqaa, Qabeenya Dhaaluufi Qabuu

Keewwata 90. Adabbii Maallaqaa, Qajeeltoowwan Murtii Adabbii Maallaqaa

1. Sababa yakkaatiin adabbiin maallaqaa kan kaffalamu qarshiidhaani; galiin isaas mootummaafidha. Tumaan faallaa ta'e kan jiru yoo ta'e malee adabbiin maallaqichaa qarshii kudhanii hanga qarshii kuma kudhanii gahuu ni danda'a. Ta'us, adabamtichi jaarmiyaa namummaa seeraa qabu yommuu ta'utti; adabbiin maallaqichaa qarshii dhibba tokko irraa hanga qarshii kuma dhibba shanii kan gahu ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

2. Manni murtichaa nama itti murtaa'e irratti hanga adabbii maallaqichaa kan murteessu cimina yakkichaa, hamma balaafamummaa isaa, haala qabeenya isaa, madda galii isaa, itti gaafatamummaa maatii bulchuu isarra jiru, hojii ogummaa isaafi hamma galii hojicha irraa argatuu, umurii isaafi haala fayyaa isaa madaaluunidha.
3. Kutaa addaa seerichaa keessatti adabbiin hidhaa qofti yommuu tumameefi adabamtichi jaarmiyaa namummaa seeraa qabu yommuu ta'etti yakka hanga hidhaa salphaa waggaa shanii gahu adabsiisuuf hanga qarshii kuma kudhanii; kan hidhaa cimaa waggaa shaniitti adabsiisuuf hanga qarshii kuma digdamaatti; hidhaa cimaa hanga waggaa kudhanii adabsiisuuf hanga qashii kuma shantamaatti; yakka hidhaa cimaa waggaa kudhanii oliin adabsiisu yommuu ta'u keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti hanga adabbii maallaqaa ibsame daangaa olaanaa gahuu danda'uun ni adabama.
4. Kutaa addaa seera kanaa keessatti yookiin seera biraa keessatti adabbiin maallaqaa qofti kan tumame yoo ta'eefi adabamtichi jaarmiyaa namummaa seeraa qabu yommuu ta'etti adabbiin maallaqichaa dachaa shan ni ta'a.

Keewwata 91. Adabbii Maallaqaafi Hidhaa Walfaana Murteessuu

Kutaan addaa seera kanaa adabbii maallaqaafi hidhaa filannoon kan tume yoo ta'e, manni murtichaa cimina yakkichaafi haala yakkamtichaa madaaluun barbaachisaa ta'ee yoo arge lamaanuu walfaana murteessuu ni danda'a**.**

Keewwata 92. Jaalalli Maallaqaa Adabbii Cimsuuf Sababa Ta'uu Isaa

1. Tumaaleen addaa dambilee adabbii olaanaa addatti murteessan akkuma eegamanitti ta'anii, yakkamtichi yakka kan raawwate miirri jaalala maallaqaa isa kakaasee yookiin yakkamtummaa akka hojii ogummaa isaatti lakkaa'uun hojii isaa kanaan haalli mijataan faayidaa itti argachuu danda'u yommuu isa mudatu, gocha isaa akkanaatiin fayyadamuufi kanuma akka argannaa faayidaatti kan lakkaa'e ta'ee haalli jireenya isaafi faayidaan yakkichaan argate gochuma isaa kana ifatti kan agarsiisu sababa gahaa ta'uunsaa kan tilmaamame yoo ta'e manni murtichaa

www.abyssinialaw.com

akka haala dubbichaatti adabbicha olkaasuun adabbii maallaqaa hanga qarshii kuma dhibba tokkoo gahu itti murteessuu ni danda'a.

Yoomiyyuu yoo ta'e adabbiin maallaqichaa sababa gocha yakkichaan bu'aa argame dhaaluu dabalatee kan murtaa'u ni ta'a.

2. Gocha yakkichaa raawwachuuf kan isa kakaase sababa jaalala maallaqaa ta'ee, jaalalli maallaqaa kun yakka ka'umsa ta'e kan hin hundeessine yoo ta'es, adabbii badii akkanaaf malu tumaalee kutaa addaa seerichaa keessatti adabbiin maallaqaa ibsamee kan hin tumamne yoo ta'ellee manni murtichaa adabbii hidhaa yookiin tarkaanfii eeggannoo murteessu waliin adabbii maallaqichaa murteessuu ni danda'a.

Keewwata 93. Adabbii Maallaqaa Galii Gochuu

1. Adabamtichi adabbii maallaqichaa battalumatti kaffaluu qaba.
2. Adabamtichi adabbii maallaqichaa battalumatti kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e manni murtichaa akka haala dubbichaatti kaffaltii maallaqichaatiif yeroo ji'a tokkoo hanga ji'a jahaatti ni kennaaf.
3. Akkasumas, haalli jireenyaa adabamtichaa sababa gahaa kan argamsiisu ta'uu isaa manni murtichaa yommuu itti amanutti adabbii maallaqichaa jala jalaa akka kaffalu hayyamuufii ni danda'a. Dandeettii isaa dhugaa ta'e tilmaamuun yeroo kaffaltiifi hamma maallaqichaa manni murtichaa ni murteessa. Yeroon kaffaltii maallaqichaas waggaa sadi caaluu hin danda'u.

Keewwata 94. Adabbiin Maallaqaa Battalumatti Yommuu Hin Kaffalamne Tarkaanfii Manni Murtii Fudhatu

1. Adabbiin maallaqaa murtaa'e battalumatti yommuu hin kaffalamne hundatti adabamtichi adabbii maallaqaa itti murtaa'e yeroo murtaa'eef keessatti kaffaluu kan danda'u ta'uu isaa akka mirkanaa'u manni murtichaa wabii namaa gahaa ta'e yookiin qabsiisa qabatamaa akka kennu ni ajaja.

www.abyssinialaw.com

Hamma wabii mirkaneessaa adabamtichi kennuu qabu manni murtichaa kan murteessu haala dubbichaafi sadarkaa jireenya adabamtichaa tilmaama keessa galchuufi haqa bu'uura godhachuunidha.

2. Adabamtichi yeroo murtaa'e keessatti adabbii maallaqichaa kan hin kaffalle yoo ta'e maallaqni wabiin itti seename yookiin qabeenyi qabatamaan qabsiisaan kenname galii akka ta'u manni murtichaa galmee yakkaa qabatee jiru irratti barbaachisaa kan ta'e ni murteessa.
3. Adabamtichi dirqama wabummaa galuu yookiin qabsiisa dhiheessuuf kan hin dandeenye yookiin heyyamamaa yommuu hin taanetti qabeenyi isaa bu'uura seeraatiin qabamee akka gurguramuufi maallaqichis galii akka ta'u ni murteessa. Gurgurtaan qabeenyichaas yommuu raawwatamu seera kana keewwata 98 (3) jalatti kan tumame raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 95. Adabbii Maallaqichaa Hojiitti Jijjiiruu

Bu'uura armaan olitti keewwata 93 fi 94 jalatti tumameen adabbiin maallaqichaa galii kan hin taane yoo ta'e, namni itti murtaa'e mootummaaf yookiin jaarmiyaa tajaajila hawaasaatiif hojiin tajaajiluun akka kaffalu manni murtichaa ni ajaja.

Manni murtichaa hamma adabbii maallaqichaa tilmaama keessa galchuun adabbiin maallaqichaa kaffalamee yeroo itti xumuramu ni murteessa. Ta'us, yeroon murtaa'u waggaa lama caaluu hin danda'u.

Keewwata 96. Adabbii Maallaqichaa Hojii Dirqamaatti Jijjiiruu

Adabamtichi bu'uura armaan olitti keewwata 93-95 jalatti tumameen raawwachuu kan hin dandeenye yoo ta'e; hojii dirqamaa akka hojjetu manni murtii murteessuu qaba.

Bu'uura keewwata kanaatiin hojii dirqamaa akka hojjetu yeroon manni murtii murteessu waggaa lama caaluu hin danda'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 97. Raawwii Adabbii Hojii Dirqamaa Dhaabuu

Adabbiin maallaqichaa hojii dirqamaatti yommuu jijjiiramu, balleessichi seera kana keewwata 105 jalatti haala ibsame irratti dabalataan hiyyummaa isaatiin, itti gaafatamummaa maatiisaa bulchuu qabuun, haala fayyummaa isaatiin, yookiin sababoota kan biroo barbaachisummaa qabaniin hojicha dirqamaa hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'e raawwiin adabbii hojicha dirqamaa akka addaan citu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.

Keewwata 98. Qabeenya Dhaaluu

1. Seericha irratti ifatti yommuu tumametti manni murtichaa tumaalee keewwata kanaa armaan gaditti tumaman hordofuun qabeenyi yakkamtichaa guutummaatti yookiin gartokkeen akka dhaalamu murteessuu ni danda'a**.**
2. Gochi yakkaa murtiin balleessummaa itti kennameen yakkamaan kallattiinis ta'e alkallattiin qabeenyi argate ni dhaalama.

   Akkasumas, ajaji dhaalichaa qabeenya karaa seera qabeessa ta'een argames ni dabalata.

3. Dhaalichi raawwatamuu kan hin dandeenye:
   (a) jireenya adabamtichaafi maatii isaatiif barbaachisaa kan ta'an tajaajila yeroo hundaa manaatiif kan fayyadan meeshaalee hojiin itti raawwatamu, meeshaalee ogummaa yookiin hojiin qonnaa itti raawwatamu yommuu ta'an;
   (b) yoo xiqqaate yeroo ji'a jahaatiif yookiin manni murtichaa haalawwan addaa ilaaluun barbaachisaadha jedhee sababa tilmaameen murtii ifa ta'eefi yaada gahaa ta'een yeroo kana caaluuf lubbuu maatii adabamtichaafi kan ittiin jiraatan yookiin nyaata guyya guyyaaf barbaachisaa ta'aniifi galiiwwan addaddaa deeggarsa jireenyasaaniitiif oolan yommuu ta'an;
   (c) qabeenya sanyiirraa dhaalaan argame kamiyyuu ta'ee adabamtichi kennaan, dhaamoon, yookiin karaa akaakuu biroon itti ajajuu kan hin dandeenye yommuu ta'u;

www.abyssinialaw.com

(d) yakkicha irraa bilisa kan ta'e haadha warraa yookiin abbaa warraa ilaalchisee, qabeenya waliinii keessaa walakkaa, akkasumas, haadha warraa yookiin abbaa warraa yookiin ijoolleewwan yookiin kanneen biroo yakka irraa qulqulluu ta'an qabeenya dhuunfaa isaanii ta'ee, bu'uura seeraatiin yookiin sirna baratameen dhuunfaan sababa imaanaafi bulchitummaan, hojii gaggeessummaan yookiin ajajummaa guutuun qabeenya qabiyyee adabamtichaa jala jiru hunda yoo ta'edha.

Keewwata 99. Qabeenya Qabuu

Namni kamiyyuu sirna heera mootummaa biyyattii yookiin nageenya keessaafi alaa irratti korannaa gochuu isaatiin yookiin sababa gocha miidhaa qaqqabsiisu raawwachuu isaatiin bakka hin jirretti kan itti murtaa'e yoo ta'e manni murtii adabbii itti murteessu kamiyyuu waliin qabeenyi isaa akka qabamu ajajuu ni danda'a.

Murtiin qabeenya qabuu yommuu kennamu tumaaleen akkaataa murtii keewwata 98 (3) jalatti ibsaman raawwatamoo ni ta'u.

Kutaa Xiqqaa Gadi Aanaa Lama

Bu'aalee Maallaqaa Kan Biroo Yakkichi Hordofsiisu

Keewwata100. Qabeenya Mootummaaf Galii Ta'uu Qabu

1. Namni tokko gocha yakkaatiif akka kaka'u yookiin yakkicha raawwachuuf akka isa gargaaru yookiin yakkicha raawwachuu isaatiif gatii akka ta'uuf kan kennameef yookiin faayidaan akka kennamuuf karoorfame kamiyyuu mootummaaf galii ta'a.

Qabeenyawwan jedhaman akaakuun kan hin argamne yoo ta'e fudhataan gatii isaanii mootummaaf galii gochuu qaba**.**

2. Qabeenyi yakkaan argame kamiyyuu bu'uura dambiilee beekamaniitiin guyyaa beeksisni bahee eegalee hanga waggaa shaniitti abbaan qabeenyichaa yookiin abbaan mirgaa kan hin argamne yoo ta'e mootummaaf galii ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Ta'us, qabeenyichi kan manca'u, yookiin faayidaan ala ni ta'a jedhamee kan tilmaamamu yoo ta'e bu'uura dambiichaan gurguramee maallaqichi mana hojii aangoon kennameefiin hanga waggaa shaniitti imaanaan kaa'amuu ni danda'a.

Keewwata 101. Qabeenya Bakka Buusuu Yookiin Beenyaa Miidhaafi Kasaaraa Kaffaluu

Yakkichi miidhamticha yookiin namoota miidhamticha irraa mirga qaban irratti miidhaa olaanaa yommuu qaqqabsiise, miidhamtichi yookiin namoonni bakka miidhamtichaa mirga qaban namni miidhe sun miidhaa irraan gaheef beenyaa akka kaffalu, waan balleesse yookiin waan diige sana akka inni duraan turetti akka deebisu akkasumas miidhaa isaan irra ga'eef beenyaan walgitu bifa kasaaraatiin akka kaffalamuuf akka itti murtaa'u gaafachuu ni danda'u. Kana gochuuf himannaa hariiroo hawaasaa himannaa yakkaa waliin dhiheeffachuu ni danda'u. Kunis bu'uura tumaalee sirna seera yakkaa keessatti tumamaniin ni gaggeeffama.

Keewwata 102. Beenyaa Miidhamaaf kennamu

1. Yakkamtichi yookiin bakka isaa kanneen gaafatamtoota ta'an akkuma haala dubbichaafi yookiin sababa jireenya isaaniitiin miidhaa miidhamticha irra ga'eef beenyaa kaffaluu kan hin dandeenye ta'uun isaanii yommuu beekametti maallaqa mi'a yakkamtichaa irraa qabame irraa argamu keessaa yookiin maallaqa wabummaaf qabsiise keessaa yookiin adabbii maallaqaa keessaa yookiin galii hojii humnaatti jijjiiramee inni argatu keessaa yookiin herreega qabeenya dhaalamee keessaa miidhamtichaaf akka kaffalamu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.
2. Mootummaan hamma maallaqa beenyaa miidhamtichaaf kaffale, miidhamticha bakka bu'ee yakkamaa miidhaa sana geessise irraa kallattiin gaafachuufi fudhachuu ni danda'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Adabbiilee Hojii Dirqamaafi Bilisummaa Dhabsiisan

Kutaa xiqqaa Gadi Aanaa Tokko

www.abyssinialaw.com

Hojii Dirqamaa

Keewwata 103. Galii Hojii Dirqamaarraa Argamu Irraa Hir'ifamee Maallaqa Mootummaaf Kaffalamu

1. Yakkichi cimina kan hin qabne ta'ee adabbiin inni hordofsiisus adabbii hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yoo ta'e, balleessichis hojii hojjechuu kan danda'u ta'ee hawaasichaaf balaafamaa kan hin fakkaanne yoo ta'e, bilisummaan dhuunfaa isaa osoo hin daangeffamiin to'atamaa adabbii hojii dirqamaa akka raawwatu manni murtichaa itti murteessuu ni danda'a. Adabbiin kun guyyaa tokkoo hanga ji'a jahaa gahuu ni danda'a.
2. Adabbichis kan raawwatamu bakka adabamtichi yeroo hunda hojii isaa itti hojjetutti yookiin iddoo itti mindeeffame yookiin dhaabbata ummataatti yookiin bakka hojiin ummataa itti gaggeeffamutti ni ta'a.

   Gatii dadhabbii adabamtichaa irraa yookiin faayidaa inni bu'aa hojichaa irraa argatu irraa hanga harka sadii keessaa tokkoo (1/3) herreegni hin caalle hir'ifamee mootummaaf galii ni taasifama.
3. Hammi maallaqa faayidaa adabamtichaa irraa hir'ifamuu qabuu, bakki adabbichi itti raawwatamuufi yeroo adabbichi turu akkasumas akaakuun to'annichaa barbaachisaa ta'e murticha keessatti ni murtaa'a.

Keewwata 104. Hojii Dirqamaa Bilisummaa Dhuunfaa Daangessuu Waliin Murtaa'u

1. Haalli dubbichaa roga qabeessa yookiin barbaachisaa ta'uu isaa kan agarsiisu yommuu ta'u, keessumattuu bu'uura seera kanaa keewwata 103(1) tiin dirqama isarra kaa'ame osoo hin guutiin kan hafe yoo ta'e, yookiin naannoo miidhaa qaban yookiin namoota amala badaa qaban irraa adabamticha adda baasuun yommuu barbaachisu adabbichi hojii dirqamaa adabbii bilisummaa dhuunfaa isaa daangessuu waliin akka raawwatamu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.
2. Manni murtichaa haala dubbichaa bu'uureffachuun akaakuu adabbii bilisummaa daangessuufi yeroo adabbichi itti turu ni murteessa.

www.abyssinialaw.com

Adabbiin kunis adabamticha iddoo hojii tokkorraa yookiin hojjechiisaa tokko biraa yookiin dhaabbata hojii tokkorraa osoo hin gadhiisiin, yookiin iddoo jireenyaa isaa osoo hin gadhiisiin, yookiin bakka murtaa'aa to'annoo abbootii taayitaa mootummaatiin eegamu tokkorraa osoo adda hin bahiin hojii dirqamaa isaa akka raawwatu kan isa taasisu ta'uu ni danda'a.

3. Adabamtichi murtii hojii dirqamaa itti murtaa'e sana cabsee yoo argame adabbichi hanga yeroo hafe sanaatiin haala wal gituun gara hidhaa salphaatti ni jijjiirama.

Keewwata 105. Yeroo Dhukkubaa Haala Adabbiin Hojii Dirqamaa Itti Daangeffamu

Namni hojiin dirqamaa itti murtaa'e yeroo hojii dirqamaa raawwatutti yoo dhukkubsate haalawwan seera kana keewwata 97 jalatti ibsamaniin alatti hanga dhukkuba isaarraa fayyutti hojii dirqamaa akka hojjetu hin taasifamu.

Dhukkuba isaarraa yommuu fayyutti hojii dirqamaa akka itti fufu ni taasifama; hojii dirqamaa itti fufuu yoo dadhabe garuu, hojii biraa kan fayyaa dhuunfaa isaafi haala isaa waliin walsimu akka hojjetu ni ajajama. Ajaja akaakuu akkanaa kennuun yookiin raawwatamaa taasisuun yoo dadhabame, manni murtiichaa adabbii biraa akaakuu kamiiniyyuu adabamticha irratti hin murteessu.

Kutaa Xiqqaa Gadi Aanaa Lama

Adabbiilee Bilisummaa Dhuunfaa Dhabsiisan

Keewwata 106. Hidhaa Salphaa

1. Hidhaa salphaan nama yakka ciminni isaa giddugaleessa ta'e raawwateefi balleessichis hawaasichaaf baay'ee balaafamaa fakkaatee yeroo hin mul'annetti adabbii bilisummaa dhabsiisuuf murtaa'udha. Tumaan koroora ilaallatu akkuma jirutti ta'ee, hidhaan salphaa guyyaa kudhan irraa hanga waggaa sadii gahuu ni danda'a.

   Ta'us, cimina yakkichaa irraa kan ka'e kutaa addaa seerichaa keessatti tumamee yoo argame yookiin yakkoonni dachaa adabbii hidhaa salphaan adabsiisan yoo

www.abyssinialaw.com

jiraatan, yookiin yakkamtichi irra deddeebiin yoo adabamu yeroon adabbii hidhaa salphaa hanga waggaa shanii gahuu ni danda'a. Manni murtichaa hidhaan sun yeroo hangamiitiif akka turu murticha keessatti ni murteessa.

2. Hidhichis manneen sirreessaa dhimmuma kana qofaaf jedhamanii addatti hundeeffaman, yookiin kutaalee mana sirreessaa keessatti ni raawwatama.

Keewwata 107. Hidhaa Salphaa Hojii Dirqamaatiin Bakka Buusuu

Adabbiin hidhaa salphaa hanga ji'a jahaa gahu tumaalee kutaa addaa seerichaa keessatti tumamee yommuu argamu hundatti adabbii bilisummaa dhuunfaa dhabsiisu kana raawwachiisuuf, yookiin adeemsa hojii gaarii mana sirreessichaa irratti rakkoo kan uumu ta'ee kan tilmaamamu yoo ta'e, yookiin amala adabamtichaas fooyyessuuf yookiin gara jireenya hawaasummaa isaatti deebisanii galchuuf kan hin mijoofne ta'ee kan argame yoo ta'e, manni murtichaa bakka hidhaa sanaa hojii dirqamaa murteessuu ni danda'a /keewwata 103,104/.

Kutaa addaa seerichaa keessatti bakka hidhaa salphaa tumaan adabbii hojii dirqamaa buusu kan hin jirre yoo ta'ellee, kan keewwata kanaan tumame raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 108. Hidhaa Cimaa

1. Adabbiin hidhaa cimaa kan murtaa'u, kanneen yakka cimaa raawwataniifi keessumattuu yakkamtoota hawaasichaaf balaafamoo ta'an irrattidha.

Galmi adabbii hidhaa cimaa adabamtichi akka sirratuufi gara jireenya hawaasummaatti akka deebi'u gochuu irratti dabalataan keessumattuu nageenya hawaasichaaf to'annoo cimaa jala akka turu gochuudha.

Yeroon turtii adabbii kanaa waggaa tokko irraa hanga waggaa digdamii shanii gahuu ni danda'a. Seerichaanis ifatti kan tumame yoo ta'e hidhaan umurii guutuu murtaa'uu ni danda'a. Ta'us, tumaaleen koroora ilaallatan akkuma eegamanittidha.

www.abyssinialaw.com

2. Adabbiin hidhaa cimaa kan raawwatamu manneen sirreessaa adabbii kana raawwachiisuuf akka ta'anitti yaadamanii addatti ijaaramaniifi kanumaaf kan qophaa'an keessatti qofadha.

   Haalli raawwii adabbii hidhaa cimaa haala raawwii adabbii hidhaa salphaa irra caalaa ni ulfaata.

Keewwata 109. Tumaalee Waliinii

Tumaaleen bu'uuraa armaan gadii adabbiilee bilisummaa dhuunfaa dhabsiisan akaakuu lamaaniifuu raawwatamoo ni ta'u. Kaayyoon tumaalee kanaas bu'aa haalli murtii adabbiilee bira gahuu barbaade argamsiisuudha.

Haalli raawwii adabbii waliigalatti gara mana hidhaatti galchuu, hidhamtoota gargar baasuu, qunnamtii hidhamtoonni namoota alaa (gaafattoota) waliin taasisan, sirna keessoofi hir'ina naamusaa ilaalchisee tarkaanfilee fudhataman, akkasumas dhimmoota qophiilee haala barnootaafi nageenya hafuuraa hidhamtootaaf barbaachisan, seera raawwii adabbiifi dambiilee bulchiinsa manneen sirreessaa keessatti adda bahanii ni ibsamu.

Keewwata 110. Hidhamtoota Gargar Baasuu

1. Yakkamtoonni saalli isaanii gara gara ta'e adabbii isaanii kan raawwatan manneen hidhaa gara garaa keessattidha. Dhimmuma kanaaf manneen hidhaa gara garaa kan hin qophoofne yoo ta'e, mana hidhaa jiru keessatti kutaaleen gara garaa akka jiraatan taasifamee dubartoonniifi dhiironni akka walitti hin dhufne ni taasifamu.
2. Balleessitoonni adabbii cimaan akka adabaman yookiin kutaa addaa keessatti adda bahanii akka hidhaman itti murtaa'e yeroo kamiyyuu yoo ta'e, hidhamtoota gaa`elaaf hin geenye yookiin gaa`ela gahan hidhaa salphaan adabaman waliin gonkumaa akka walitti hin dhufne ni taasifamu.
3. Hidhamtoonni murtii hin arganne yookiin sababa idaan qabamanii hidhaman yookiin dirqama hojii mootummaan kan ka'e hidhamtoota waliin walitti dhufeenya kan qaban ta'anii sababa yakkaa yookiin sababa idaan namoonni hidhaman hidhamtoota kanneen biroo waliin walitti hin makaman.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 111. Dirqama Hojjechuufi Gatii Hojichaa

1. Yakkamaa tokko irratti adabbiin bilisummaa dhuunfaa dhabsiisu yeroo itti murtaa'u hunda adabamtichi dirqamaan akka hojjetu gochuun qaama raawwii adabbichaati. Adabamaan fayya qabeessa ta'e kamiyyuu hojii bulchiinsa mana sirreessaa irraa ajajame fudhachuu qaba. Hojiin kunis hanga danda'ametti dandeettii adabamtichaa waliin kan walsimuufi fayyaa isaa kan hin miine, amala sirreessuufi muuxannoo hojiifi barumsaanis sammuu isaa gabbisuuf kan isa gargaaru ta'ee yakkamtichi yeroo adabbii isaa yommuu xumuru deebi'ee gara galma jireenya hawaasummaa barbaachisu qabachuuf isa dandeessisuun kan isa gahuu danda'u ta'uu qaba.
2. Hidhamaan hojii dirqamaa kana akka raawwatu dirqisiifame kamiyyuu hojichaaf kan malu yoo ta'eefi amalli isaas gaarii yoo ta'e, dandeettii hojii isaafi tajaajila inni kennuuf kaffaltiin guyyaa wal madaalaa ta'e ni herreegamaaf.

Hammi maallaqaa herreegamuufii qabu qabiinsi herreega maallaqaa yeroo inni hidhamee turuufi haalli kenniinsa maallaqaa yeroo inni hidhaa irraa bilisaan gadi lakkifamu bu'uura dambiilee keessoo mana sirreessaatiin ni raawatama.

Keewwata 112. Haala Hidhaa Jijijjiiruu

Adabbichi adabamticha irratti miira sirreeffama amalaa fideefi yommuu adabamtichi gadi lakkifamu jireenya hawaasummaa baratame qabachuuf kan malu ta'uu danda'uu isaa mirkaneeffachuun yaadota bu'uuraa armaan gaditti ibsaman hordofuun haalli raawwii adabbii adabamtichaa yeroo yeroon jijijiiramaa akka deemu ni taasifama. Haalli raawwiifi hojmaata kanaas seera raawwii adabbiifi dambii keessoo mana sirreessaa keessatti ni ibsama.

1. Bulchiinsi mana sirreessichaa barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate, adabamtichi akkuma mana hidhaa galeen battalumatti yookiin adabbicha raawwachaa osoo jiruu, yoo daran baay'ate, yeroo ji'a sadii hin caalleef kophaa isaatti adda bahee akka hidhamu taasisuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Bulchiinsi mana sirreessichaa hidhamtichi kophaa isaatti adda bahee akka hidhamu gochuu isaatiin dura, ogeessa fayyaa, barbaachisaa yoo ta'es, ogeessa xiinsammuu mari'achiisuun hamma eeggannoofi yerichaa ni murteessa.

2. Yeroon adabbii muummeen kan raawwatamu akka barbaachisummaafi faayidaa isaatti, akka haala yerichaatti, hojii dirqamaa gamtaan yookiin dhuunfaan hojjetamu hojjechuun ta'a.

   Dhimmi hidhamticha kophaa isaatti adda baasuu hamma danda'ametti yeroo hojiitiin alaafi akkasumas halkan ni raawwatama.

3. Hidhamtoonni amala isaanii haala fooyya'een waan sirreeffataniifi kan fooyya'an waan ta'aniif, hidhaa irraas yeroon isaan itti gadi lakkifamu waan dhihaateef faayidaa nyaata fooyya'aa argachuu, namni isaan gaafatu akka irraa hin dhorkamne, hojii salphaa hojjechuu, yeroo boqonnaa argachuufi haala kanneen biroo kan kana fakkaatanitti fayyadamuu, haalli faayidaa hidhaa salphisuufi fooyyessuu gaggeessaa hojii mana sirreessichaatiin hayyamamuufii ni danda'a.

   Kanneen naamusa hin qabne yookiin amalli isaanii kan nama hin gammachiifne yoo ta'e garuu faayidaaleen isaaniif kennaman akka jalaa hafan gochuuf, yookiin xiiqii qabeessummaan adabamtootaa kun akka taasifamu barbaachisaa ta'uu isaa kan agarsiise yoo ta'e, faayidaalee yeroo hin daangofneef yookiin daanga'eef hambisuun ni danda'ama.

Keewwata 113. Daangaa Murtaa'een Korooraan Gadi Lakkifamuu

1. Amalli adabamtichaa quubsaa yoo ta'eefi haalawwan seeraan tumaman guutamanii yoo argaman /keewwata 202/, adabamtichi yeroon hidhaa isatti murtaa'e dhumuu isaatiin dura korooraan dursee gadi lakkifamuu ni danda'a.

   Korooraan gadi lakkifamuu isaatiin dura bakka adabbiif murtaa'e tokko yookiin iddoo hojii yookiin jaarmiyaa hojii kana fakkaatan keessatti yeroo qormaataa akka dabarsu taasisuun ni danda'ama.
2. Seerri raawwii adabbiilee ilaallatuufi dambiileen bulchiinsa manneen sirreessaa haalawwan raawwii, hojmaataafi tarreeffama isaanii ni murteessu.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 114. Raawwii Adabbii Loltoota Irratti Murtaa'u

Adabbiin bilisummaa dhabsiisu loltoota irratti yommuu murtaa'e, mana hidhaa loltootaa keessatti, bakka buufata loltootaatti, yookiin bakka da'annoon looltootaa itti argamutti ni raawwatama. Dambiin bulchiinsaafi sirni raawwii adabbii loltoota irratti murtaa'e ittiin raawwatamu akkuma eegamettidha.

Raawwiin hojmaatichaas dambii keessootiin kan murtaa'een ta'a.

Keewwata 115. Murtii Hanga Argatutti Yeroo Qabamee Itti Ture Lakkaa'uu

1. Murtiin bilisummaa dhabsiisu yommuu kennamu, murtiin adabbii osoo hin kennamiin dura adabamtichi sababa yakkichaatiin yeroo inni qabamee to'annaa jala ture manni murtichaa adabbii muummee waliin ni lakkaa'aaf.

   Ta'us, balleessichi badii ofii isaatiin eegumsaan akka hidhamu, yookiin yeroon hidhaa isaa akka dheeratu taasisee yoo jiraate, murtiin osoo itti hin murtaa'iin eegumsaaf yeroon inni qabamee ture hin lakkaa'amuuf.
2. Dhimmi, haalli, hojmaanniifi raawwiin eegumsaaf qabamanii turuu bu'uura Seera Sirna Falmii Yakkaatiin ni raawwatama.

Keewwata 116. Hidhamaan Dhukkubsate Mana Yaalaa yommuu Galu Yeroo Hospitaala Itti Ture Lakkaa'uu

1. Yakkamaan tokko adabbii itti murtaa'e raawwachaa osoo jiruu dhukkubsachuu isaatiin yaalamuu akka danda'uuf hospitaala yoo gale, yeroon inni mana yaalaa ture sun adabbii raawwachuu qabu waliin ni lakkaa'amaaf.

   Akkasumas sababni hospitaala akka galu isa taasise, hidhamuu isaatiin dura dhukkuba isarra ga'een yookiin sababa biroon yoo ta'e, keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, yeroon inni hospitaala ture hundi yeroo adabbiin raawwatu waliin ni lakkaa'amaaf.

www.abyssinialaw.com

2. Adabamtichi ofumaa itti yaadee dhukkubichi akka isarra gahu taasisuun, yookiin gowwomsuun hospitaala galee kan ciise yoo ta'e, haala kanaan yeroon inni hospitaala ture yeroo adabbichaa keessa galee hin lakkaa'amuuf.
3. Yakkamtichi adabbii isaa raawwachaa osoo jiruu, sababa dhukkuba sammuutiin gocha isaatiif itti gaafatamaa ta'uu dhabuu isaa ogeessonni addaa kan mirkaneessan yoo ta'e, adabbichi yeroof akka addaan citu taasifamee gara mana yaalaa yookiin iddoo itti kunuunfamu birootti akka jijjiiramu ni taasifama.

   Dhukkubichi dhukkuba sammuu fayyuu hin dandeenye yoo ta'e, yeroon adabbii hafe isarratti hin raawwatamu.

Kutaa Xiqqaa Sadi

Adabbii Du'aa

Keewwata 117. Qajeeltoo

1. Adabbiin du'aa kan murtaa'u, yakkichi xumura kan argate ta'ee, daran baay'ee cimaa ta'uu isaafi yakkamtichis balaafamaa addaa ta'uu isaatiin, yakkichaaf adaba akka ta'utti seerichaan ifatti tumamee yoo jiraate, akkasumas yakkamtichaaf sababni adabbii salphisu kan hin jirre yoo ta'eefi yakkamtichi yeroo yakkicha raawwatetti yoo xinnaate umuriin isaa waggaa kudha saddeet kan guute yoo ta'e qofadha.
2. Adabbiin du'aa, murtiin isaa pirezidaantii biyyattiin kan ragga'e yoo ta'e malee raawwatamuu hin danda'u. Adabbichi dhiifamaan yookiin baraarsaan kan hin diigamne yookiin kan hin jijjiiramne ta'uun isaa qoratamuufi beekamuu isaatiin dura raawwatiinsa hin qabaatu.
3. Adabbiin du'aa ummata duratti, addabaabayiitti fannisuun yookiin karaa biroo kabaja namoomaa isaa tuqu kamiiniyyuu hin raawwatamu. Adabbichi haala kabaja namoomaa isaa eegeen mooraa mana sirreessichaa keessatti akka raawwatamu ni ajajama. Tooftaan raawwii isaas qaama olaanaa seera raawwachiisaa Bulchiinsa Mana Sirreessaa Federaalaa yookiin Naannoo dhimmichi ilaallatuun ni murtaa'a.

www.abyssinialaw.com

Adabbiin du'aa raawwatamuun dura adabamticha irratti tarkaanfiin dararuu, haaloo bahuu yookiin miidhaa qaamaa kamiyyuu akka ga'u gochuun dhorkamaadha.

4. Adabbiin du'aa erga raawwatamee booda, maatiin isaa reeffa isaa yoo gaafate ni kennamaaf. Maatiin gaafatu kan hin argamne yoo ta'e garuu, reeffichi sirna awwaalchaa maluun ni awwaalama.

Keewwata 118. Namni Adabbiin Du'aa Itti Murtaa'e Hanga Adabbiin Raawwatamutti Haala Itti Turu

Namni adabbiin du'aa itti murtaa'e hanga adabbichi ragga'uufi raawwatamutti, haala hidhamaan adabbiin hidhaa cimaa itti murtaa'e adabbii isaa raawwatuun hidhamee ni tura.

Bulchiinsi mana sirreessichaa nageenya hidhamtichaaf eegumsa eeggannoo barbaachisaa ta'e ni taasisaaf.

Hidhamtichi yoo fedheefi kan danda'amu yoo ta'e, kutaa itti hidhame keessatti hojii akka hojjetu ni taasifama.

Keewwata 119. Haala Raawwiin Adabbii Murtii Du'aa Dhorkamee Itti Turu

Namoota guutummaan yookiin gartokkeen itti gaafatamummaa hin qabne, yookiin nama baay'ee dhukkubsate, yookiin dubartii ulfaa irratti hanga haala akkasii keessa jiranitti adabbiin du'aa isaan irratti murtaa'e dhorkamee ni tura.

Keewwata 120. Adabbii Du'aa Jijjiiruu

1. Dubartiin ulfaa daa'ima lubbuu qabu yoo deesseefi daa'ima kanas sooruufi guddisuun yoo ishee irra jiraate, adabbiin du'aa kun hidhaa cimaa umurii guutuutti ni jijjiiramaaf.
2. Bu'uura seera kana keessatti /keewwata 229 fi 230/ jalatti tumameen adabbiin du'aa dhiifamaan yookiin baraarsaan jijjiiramuu yookiin hafaa ta'uu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Lama

Adabbiilee Dabalataa

Keewwata 121. Qajeeltoo

Adabbiileen dabalataa kan murtaa'an, adabbii muummeef dabalata yookiin itti guutii ta'uun ta'a. Adabbiileen kunneen kan raawwataman, manni murtii murticha irratti ifatti yoo ajaje qofadha.

Adabbiileen dabalataa tokkoon tokkoon yakkaatiif tumamanii jiraachuu baatanillee, haalawwan kutaa waliigalaa seera kanaa keessatti tumaman guutamanii yeroo argaman hunda raawwatamuu ni danda'u.

Manni murtichaa adabbiilee dabalataa kan murteessu, kaayyoo adabbiifi keessumattuu, adabamticha irratti eegumsaafi jijjiirama amalaa geessisuu danda'an hordofuufi yaada kanaan gaggeeffamuun ta'a.

Keewwata 122. Akeekkachiisa, Dheekkamsa, Ceephoo Balleessicha Irratti Taasifamu, Dhiifama Balleessichi Gaafatu

1. Manni murtii kabaja balleessichaa ibsee hubachiisuun bu'aa gaarii balleessicha irratti, yookiin hawaasicha biratti kan argamsiisu ta'uu isaa yoo tilmaame, adabbii muummeerratti dabaluun, dhaddacha yookiin murtiirratti akeekkachiisa, dheekkamsa, ceephoo cimaa murteessuu ni danda'a. Akkasumas, balleessichi badiisaa amanee miidhamaa yookiin abbootii mirgaa miidhamticha bakka bu'an ifatti dhiifama akka gaafatu ajajuu ni danda'a.
2. Yakkichi baay'ee salphaa ta'uu isaa seerichaan ifatti kan tumame yoo ta'e yookiin sababoonni adabbii salphisan yommuu argaman /keewwata 82 fi 83/, yookiin haala addaatiin adabbii salphisuun kan danda'amu yoo ta'e /keewwata 180/, yookiin adabbichi osoo hin raawatamiin akka turu yommuu taasifamu /keewwata 192/, manni murtichaa adabbii kana bakka adabbii muummee buusee murteessuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 123. Mirga Irraa Mulquu

Akaakuufi haalli badii sanaa sababa gahaa kan argamsiisu yoo ta'eefi yakkamtichi mirga isaatiin hojjechuuf nama hin malle ta'uun isaa yoo beekame, manni murtichaa:

(a) mirga hawaasummaa isaa, keessumattuu mirga filachuu, mirga filannoo tokko keessatti hirmaataa ta'uufi hojii tajaajila ummataaf filatamuu irraa yookiin gonfaaf filatamuu irraa, sanada yookiin waliigaltee irratti ragaa yookiin wabii ta'uu irraa, hojii murtiif ogeessa addaa yookiin ragaa ta'ee mirga hojjechuu irraa; yookiin

(b) maatiirratti mirga qabu irraa, keessumattuu dandeettii aangoo warrummaa qabaachuu irraa, guddiftummaa yookiin mirga bulchaa (eegduu) ta'uu irraa; yookiin

(c) hojii ogummaa, industirii yookiin daldalaa, hayyamni hojii yookiin daldalaa barbaachisu mirga hojjechuu irraa mulquu ni danda'a.

Keewwata 124. Bara Turmaata Adabbichaafi Akkaataa Murtii Isaa

1. Adabbiin mirga irraa mulqamuu kamiyyuu (keewwata 123) yeroof yookiin dhaabbiin ta'uu ni danda'a. Yeroof qofa yoo ta'e, ji'a jahaa gadi hin ta'u, waggaa shan hin caalu.

   Cimina yakkaa balleessichi raawwate, balleessummaa isaa kan duraa, balaafamummaa yookiin badummaa amala isaa, yakkicha irra deddeebi'a jedhamee kan yaaddessu ta'uufi ta'uu dhabuu isaa, barbaachisummaafi faayidaa adabbii mirga irraa mulquu yookiin bu'aa adabbichi adabamticha irratti qaqqabsiisu, akkasumas jireenya hawaasummaa isaa eeguuf barbaachisaa ta'uu isaa tilmaamuufi bu'uura godhatee qabachuun, tokkoon tokkoon dhimmootaa irratti yeroo turtii adabbii mirga irraa mulquu manni murtichaa ni murteessa.
2. Murtiin adabbii du'aa yookiin hidhaa cimaa dhimma mirga hawaasummaa irraa mulqamuu dirqamaan hordofsiisuu qaba. Adabbiin hidhaa cimaa yommuu murtaa'u, yeroo turtii bu'aa mirga irraa mulqamuu manni murtichaa ni murteessa. Murtii adabbii du'aa yookiin hidhaa umurii guutuu yommuu murtaa'e waa'ee

www.abyssinialaw.com

dhiifamaa (keewwata 229) waa'ee baraarsaa (keewwata 230) fi waa'ee moggaafamuu (keewwata 232-237) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee adabbiin mirga irraa mulquu hanga dhumaatti ragga'ee ni tura.

Keewwata 125. Adabbiin Mirga Irraa Mulquu Yeroo Itti Ragga'u

1. Adabbiin mirga irraa mulquu raawwatamaa kan ta'u guyyaa murtiin kenname irraa eegalee ta'a.
2. Adabbiin mirga irraa mulquu kenname yeroof yoo ta'e guyyaa murtichi kenname irraa eegalee dhimmi adabbichi raawwatamaa ta'uu isaa akkuma eegametti ta'ee yeroon murtaa'e lakkaa'amuu kan eegalu guyyaa adabbiin muummee itti raawwatame yookiin adabbichi dhiifamaan diigame yookiin darbiinsa yerootiin hafaa ta'e irraa eegalee ta'a.

Yakkamticha irratti adabbiin bilisummaa dhabsiisuu itti murtaa'ee korooraan erga gadi lakkifamee booda, korooraan gadi lakkifamee yeroo ture hundatti amala gaarii kan agarsiise yoo ta'e yeroon turtii adabbii mirga irraa mulquu kan herreegamu guyyaa korooraan hidhaa irraa gadi lakkifame irraa eegalee ta'a.

Yakkamaan mirgi hojii ogummaa isaa hojjechuu murtiin irraa mulqame /keewwata 123 (c)/ korooraan akka gadi lakkifamu yoo taasifamu /keewwata 205/ yeroo koroorichaatti hojii ogummaa isaa qormaataaf akka itti fufu manni murtichaa hayyamuufii ni danda'a.

Keewwata 126. Mirgaafi Kabaja Deebisuufi Moggaasuu

Akkuma haala dubbichaatti bu'uura seericha keessatti tumameen mirgawwan adabbiin irraa mulqamanii turan kamiyyuu balleessichi gocha yakkichaatiin adabamuu isaatiin dura akkuma turetti deebifamuufi moggaafamuu ni danda'a /keewwata 232-237/.

Keewwata 127 Raayyaa Ittisaa Irraa Gaggeessuu, Sadarkaa Irraa Gadi Buusuu

1. Balleessichi yakka dhimma raayyaa ittisaa raawwateen salphoo, badaa, yookiin balaafamaa ta'uu isaa yoo agarsiise manni murtii loltummaa adabbii muummee itti

www.abyssinialaw.com

murteessuu waliin sadarkaa isaa irraa akka gadi bu'u yookiin miseensummaa raayyaa ittisaa irraa akka gaggeeffamu itti murteessuu ni danda'a.

Adabbiileen kunis kan murtaa'an abbaa taayitaa raayyaa ittisaa dhimmi isa ilaallatu waliin dursanii mari`achuufi yaada duraa kennu hubachuun ta'a

2. Murtaa'uun adabbiilee kanaa adabbiilee dabalataa biroo armaan olitti ibsaman murteessuu hin dhoowwu.

Keewwata 128. Haala Murtichi Itti Ragga'u

Murtiin adabbii miseensummaa humna ittisaa irraa gaggeeffamuu yookiin sadarkaa irraa gadi bu'uu kan ragga'u bu'uura dambii bulchiinsa loltummaa ilaallatuun ta'a.

Boqonnaa Sadi

Tarkaanfilee Eeggannoo Balleessitoota Gaa`elaaf Gahan Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Tarkaanfilee Eeggannoo Raawwattoota Yakkaa Itti Gaafatamummaa Hin Qabneefi Itti Gaafatamummaa Gartokkee Qaban Irratti Haala Addaatiin Taasifaman

Keewwata 129. Qajeeltoo

Manni murtichaa qorannoo Idileefi qorannoo ogeessa addaa bu'uura godhachuun /keewwata 51/ raawwataan yakkichaa itti gaafatamummaa akka hin qabne (keewwata 48) yookiin itti gaafatamummaa gartokkee /keewwata 49/ ta'uu isaa yommuu mirkaneessu akka haala dubbichaatti bu'uura tumaalee armaan gaditti ibsamaniitiin ni murteessa.

Keewwata 130 Eeggannoof Iddoo Murtaa'e Akka Turuufi Akka Yaalamu Taasisuu

1. Raawwataan yakkaa haala irra jiru irraa kan ka'een nagaafi tasgabbii hawaasichaa irratti rakkoo kan geessisu yookiin namoota waliin jiraatan irratti balaa geessisa

www.abyssinialaw.com

jedhamee yoo amaname, dhaabbata mijaa'aa ta'e keessa addatti bahee akka turu manni murtichaa ajajuu qaba.

2. Raawwataan yakkichaa yaala kan isa barbaachisu ta'ee yoo argame, dhaabbata keessa jirutti akka yaalamu, kunis kan hin danda'amne yoo ta'e bu'uura keewwata 131 tiin tumameen gara dhaabbata yaala gahaa itti argachuu danda'uutti jijjiiramee akka yaalamu ni ajaja.

Eegumsa gaarii isaafis tarkaanfileen eeggannoo barbaachisaa ta'an ni raawwatamu.

Keewwata 131. Yaala

1. Raawwatichi dhukkuba yookiin hir'ina sammuu kan qabu yookiin dhagahuufi dubbachuu kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin dhukkuba gaggabdoo kan qabu yoo ta'e yookiin araada dhugaatii alkooliitiin yookiin qorichoota balaafamootiin yookiin baalawwan sammuu adoochaniin kan summaa'e yookiin dhukkuboota kana fakkaatan kamiiniyyuu sammuun isaa kan tuqame ta'ee akka yaalamu yookiin gargaarsa biroo gahaa ta'e akka argatu kan barbaachisu yoo ta'e mana yaalaa yookiin dhaabbata mijaa'aa ta'e seenee akka yaalamu manni murtichaa ni ajaja.
2. Akka yaada ogeessi addaa dhiheessuutti raawwatichi balaafamaa kan hin taaneefi hospitaala turee yaalamuun isaa kan hin barbaachifne ta'uun isaa kan beekame yoo ta'e deddeebiin qofa akka yaalamu manni murtichaa ni ajaja.

   Yeroo kanatti ogeessa yaalaa gabaasa dhiheessuufii danda'uun yookiin qaama aangoon kennameef biroon eegumsiifi to'annoon akka irratti taasifamu manni murtichaa ni ajaja. Eegumsi kunis amansiisaa yoo hin taaneefi bu'aa gaarii kan hin argamsiifne ta'uun isaa yoo mirkanaa'e yeroo kamiyyuu yoo ta'e haqamuu ni danda'a.

   Manni murtichaa ajaja eegumsaa haquun dura yookiin tarkaanfii malu biroo fudhachuun dura gabaasa barbaachisaadha jedhu akka dhiheessuuf ogeessa yaalaa yookiin qaama aangoon kennameef ajajuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 132. Yeroo Turmaataa Murtii Yaalaafi Eegumsaa

1. Raawwatichi akka yaalamu yookiin iddoo murtaa'e tokko akka turu murtii manni murtichaa kenne abbaan aangoo bulchiinsaa dhimmichi ilaallatu ni raawwachiisa.

   Raawwatichi kan yaalamu yookiin iddoo murtaa'e kan turu yeroo hin murtoofneefidha. Haata'u malee, manni murtichaa waggaa lama lamaan murticha irra deebi'ee ni qorata.

   Sababni murtichi itti kenname baduu isaa oggeessichi addaa yoo mirkaneesse abbaan aangoo bulchiinsaa haaluma kana mana murtichaaf yoo dhiheessu, tarkaanfiin eeggannoo adabamticha irratti akka raawwatamu ajajamee ture akka hafu manni murticha ni ajaja.
2. Sababni tarkaanfiin eeggannoo itti fudhatame guutummaatti kan hin banne yoo ta'ellee yeroof qofa akka gadi lakkifamu kan malu ta'uu isaa ogeessichi addaa kan mirkaneesse yoo ta'e, gabaasa abbaan taayitaa bulchiinsa dhimmichi ilaallatu dhiheesseef irratti hundaa'uun raawwatichi akka yaalamu yookiin iddoo murtaa'e akka turu ajajni kennamee ture dhorkamee akka turu manni murtichaa ni ajaja.

   Namni tarkaanfiin eegannoo dhorkameef yeroo waggaa tokkoo gadi hin taaneef eegduu filatame tokkoon to'annoon akka irratti taasifamuufi barbaachisaa ta'ee yommuu argamus bu'uura keewwata 205 tiin tarkaanfileen qajeelcha amalaa akka irratti fudhataman manni murtichaa ajaja ni kenna.

3. Eegumsa nageenya waliigalaatiif yookiin haala gaarii nama gadi lakkifameef barbaachisaa ta'ee yoo argame balleessichi akka gadi lakkifamu ajajni kennamee ture ni haqama.

   Yeroo qormaatichaa haala quubsaa ta'een kan xumure yoo ta'e; tarkaanfiin eeggannoo ni hafaaf.

Keewwata 133. Bu'aa Itti Gaafatamummaan Gartokkee Adabbii Irratti Qabu

1. Akkaataan murtii adabbii namoota itti gaafatamummaa gartokkee qaban ilaalchisee tumame akkuma jirutti ta'ee /keewwata 49/ barbaachisaa ta'ee yoo argame manni murtichaa adabbicha yeroof dhorkee raawwatichi iddoo

www.abyssinialaw.com

eeggannoon itti raawwatamutti daangeffamee akka turu /keewwata 130/ yookiin hospitaala akka seenu /keewwata 131/ ni ajaja.

2. Tarkaanfiin eeggannoo ajajame yoo raawwatamu, gabaasni bulchiinsi dhaabbatichaa yookiin miseensi eegumsaa itti gaafatamummaan kennameef dhiheesse adabbiin balleessicha irratti murtaa'ee ture ammas akka raawwatamu barbaachisaa ta'uu isaa yoo mirkaneesse, balleessichi eegumsaaf iddoo tokkotti daangeffamee kan itti ture yookiin yeroon inni yaalamuuf dabarse, adabbii yeroof dhorkamee ture irraa akka hir'ifamuuf kan malu yookiin kan hin malle ta'uu isaa bu'uura seera kana keewwata 116 tiin manni murtichaa ni murteessa.

   Murtii kanas kennuuf manni mirtichaa bu'uura godhatee kan hordofu, cimina yakka raawwatichi raawwatee, seenaa isaa duriifi haala amala isaa, bu'aa bakka tokkotti daangeeffamee turuun isaa yookiin yaaliin isaaf taasifame argamsiise akkasumas gara fuulduraatti amala isaa fooyyeffachuu kan danda'u ta'uu isaa yookiin nama nagaa ta'uuf haala inni agarsiisu madaaluun ta'a.

3. Raawwatichi yakkaa adabbii hafe akka raawwatu taasisuun faayidaa kan hin qabne ta'uu isaa manni murtichaa yoo itti amane rawwatamuu adabbichaa ni hambisaaf.

Kutaa Lama

Tarkaanfilee Eeggannoo Waliigalaa Ittisaafi Eegumsaa

Keewwata 134. Qajeeltoo

Tarkaanfileen eeggannoo waliigalaa ittisaafi eegumsaa boqonnaa kana keessatti tumaman haala naannoo dubbichaaf kan fayyadaniifi barbaachisaa ta'uu isaanii manni murtichaa yoo itti amane adabbii muummee waliin yookiin adabbiin muummee erga raawwatamee booda, dabalata ta'anii akka raawwataman murtaa'uu ni danda'u.

Tarkaanfileen eeggannoo ittisaafi eegumsaa akkanaa tokkoon tokkoon yakkaatiif kutaa addaa seerichaa keessatti tumamanii yoo jiraachuu baatanillee, haalawwan kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumaman guutamanii yommuu argaman hunda raawwatamaa akka ta'an manni murtichaa ifatti ajajuu qaba.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Xiqqaa Tokko

Tarkaanfilee Eeggannoo Qabeenya Ilaallatan

Keewwata 135. Wabummaa Amala Gaarii; Qajeeltoo

1. Namni itti murtaa'e irra deebiin yakka raawwachuuf yaaduu isaa yoo ibse yookiin yakka haaraa akka raawwatu dhugumaan kan yaaddessu ta'ee yoo argame, keessumattuu irra deebi'ee yakka raawwachuuf kan yaade diinummaa ifa ta'een yookiin doorsisuun kan ta'e yoo ta'e yakkamaan kun amala gaariin akka qajeelfamu waadaa mirkaneessu akka galuufi wabii gahaa ta'e akka kennu manni murtichaa dirqisiisuu ni danda'a.
2. Waadaan mirkaneessa amala gaariin akka qajeelfamuuf inni seene kun ragga'ee kan turu waggaa tokkoo hanga waggaa shanii ta'a.

   Wabummaan kun kan kennamu akka haala dubbichaatti wabummaa ofii yookiin namaatiin yookiin qabsiisaanidha.

3. Yeroon turtii waadaa mirkaneessaafi hamma qabsiisichaafi wabichaa manni murtichaa kan murteessu; akaakuu doorsisichaa, ciminaafi balaafamummaa isaa, akkasumas sadarkaa jireenya dhuunfaa, haala qabeenyaa raawwatichaafi wabiiwwan isaa bu'uura godhachuunidha.
   Waadaan mirkaneessaafi wabummaan kenname murticha irratti ibsamee ni barreeffama.

Keewwata 136. Waadaa Mirkaneessaa Yookiin Wabummaa Kennuu Diduu

1. Namni yakka ni raawwata jedhamee yaaddessu dirqama mirkaneessaa akka kennu gaafatame, kennuuf kan hin barbaanne yoo ta'e yookiin yaada badaafi yaada jal'ina irratti hundaa'uun wabummaa ofii yookiin kan namaa kan hin kennine yoo ta'e yookiin yeroo itti murtaa'eef wabummaa mirkanneessaa barbaachisaa ta'e kan hin kennine yoo ta'e, mana turmaataa buufata Poolisii **b**aratametti qabamee akka turu manni murtichaa dirqisiisuu ni danda'a.
2. Manni murtichaa yeroo balleessichi kun mana turmaataa keessa turu battalumatti ni murteessa. Balleessichi doorsisa isaa irra deddeebiin yoo haaromsuu baateefi

www.abyssinialaw.com

amala isaa kan hin fooyyeffanne yoo ta'e yookiin yaada badaa isaa kan itti hin fufneefi haala addaa kan kana fakkaatu yoo geessise malee, qabamee yeroo inni mana turmaataa keessa turu ji'a sadii caaluu hin danda'u.

Manni murtichaa gaaffiin yoo dhihaateef sababoota gahaa ta'aniin murtii yerichaa dheeressuu ni danda'a. Bu'uura gaaffichaatiinis yakkamtichi gadi lakkifamee to'annoon akka irratti taasifamu /keewwata 148/ yookiin dhimma ittisuufi eeguu cimsuun barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate daran yoo baay'ate murtiin hidhaa hanga ji'a sadiitti haaromfamee akka raawwatamu manni murtichaa ajajuu ni danda'a. Ta'us, yeroo inni qabamee mana turmaataa itti turu ida'amaan ji'a jaha darbuu hin danda'u.

3. Kana gidduutti balleessichi mirkaneessa gaafatame kan kenne yookiin wabii gahaa ta'e kan dhiheesse yoo ta'e ni gadi lakkifama.

Keewwata 137. Bu'aa Murtichaa

Balleessichi yeroo qormaataa kennameef keessatti yakka kan hin raawwanne yoo ta'e waadaan mirkaneessaa inni kenne ni hafaaf. Wabummaan isaafi kan wabiilee isaas irraa ni bu'a. Qabsiisi yookiin maallaqni wabummaaf qabsiises ni deebi'aaf. Yeroo qormaataaf kennameef keessatti yakka kan raawwate yoo ta'e garuu maallaqni wabummaaf qabsiifame mootummaaf galii ni ta'a; yookiin wabiin isaa ni dirqisiifama. Yakka raawwateefis adabbiileen idileefi tarkaanfileen eeggannoo akkuma eegamanittidha.

Keewwata 138. Wabummaa yookiin Qabsiisa Kennuu Dadhabuu

Namni yakka ni raawwata jedhamee yaaddessaa ta'e qabsiisa wabummaa wal amansiisaaf akka qabsiisu gaafatame sababa isaa kan hin taaneen dhiheessuu kan hin dandeenye yoo ta'e, yakkamtichi mana turmaataa irraa gadi lakkifamee yookiin mana turmaataa turuun isaa hafee to'annoon akka irratti taasifamu /keewwata 148/ manni murtichaa ni ajaja.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 139. Murtii Tarkaanfii Eeggannoo Irra Deddeebi'uu

1. Namni tokko wabummaa amala gaarii akka kennu erga taasiifamee booda, haalawwan naannootiin keessumattuu sababa irra deebi'ee doorsisuu isaatiin yookiin amala balaafamummaa agarsiisuu isaatiin, barbaachisaa ta'ee yoo mul'ate, balleessichi irra deebiin waadaa mirkaneessaa akka seenuufi wabummaa akka kennu manni murtichaa murteessuu ni danda'a /keewwata 135/.
2. Ta'us, namni kun keewwata 136(2) bo`oo lammaffaa jalatti tumameen yeroo hidhaa olaanaa mana turmaataa ji'a jaha dursee kan xumure yoo ta'e, fuulduraaf waadaa mirkaneessaa akka seenu yookiin wabummaa akka kennu gaafatamee yaada badaan kan dide yoo ta'e, mana turmaataa akka turu osoo hin taasifamiin to'annoon akka irratti taasifamu manni murtichaa ajajuu qaba /keewwata 148/.

   Akaakuun doorsisichaa keewwata 580 jalatti kan kufu yoo ta'e, raawwatichi bu'uura tumaa kanaatiin himatamuu irraa hin oolu.

Keewwata 140. Wantoota Balaafamoo Ta'an Dhaaluu

1. Wantoonni yakka raawwachuuf tajaajiluu danda'an yookiin gocha yakkaatiif tajaajilan yookiin bu'aa gocha yakkaa ta'an kamiyyuu jireenya, tasgabbii, fayyaa yookiin amala gaarii ummataa miidhuu kan danda'an yoo ta'an akka dhaalaman manni murtichaa ni ajaja.

   Wantoonni dhaalaman akka maqfaman, tajaajilaan ala akka ta'an yookiin poolisiif yookiin kutaa qorannoo yakkaaf akka kennaman manni murtichaa ajajuu ni danda'a.
2. Wantoonni yookiin meeshaaleen balaafamummaa hin qabne yookiin seeraan hin dhorkamne kamiyyuu qabeenya qulqulluu qaama sadaffaa yoo ta'an mirgi namoota kanaa kan eegamedha.

Keewwata 141. Tumaalee Waliinii, Raawwii Waliigalaa Eeggannoof Taasifamu

Namni kamiyyuu himatamuu isaatiin dura yookiin himatamee dhimmi isaa mana murtiitti yommuu ilaalamu nageenya waliinii yookiin dhuunfaa irratti balaa

www.abyssinialaw.com

geessisuuf doorsisee yoo argame dirqama wabummaa mirkaneessa amala gaarii akka seenu taasifamuu ni danda'a.

Yeroo barbaachisaa ta'ee argametti namni kamiyyuu himatamuu yookiin itti murtaa'uu kan hin dandeenye yoo ta'ellee wanti balaafamaan harka isaatti argame hundi akka dhaalamu bu'uura keewwata 140 jalatti tumameen manni murtii ajajuu ni danda'a.

Kutaa xiqqaa Lama

Sochii Hojii Daangessuun Tarkaanfilee Eeggannoo Taasifaman

Keewwata 142. Hayyama Dhorkuufi Deebisanii Fudhachuu

Hojii yookiin gocha addaddaa akka raawwatu namni yookiin jaarmiyaan namummaa seeraa qabu hayyama ifatti kennameefiin fayyadamu kamiyyuu hojii isaa kanaan balaa olaanaa kan geessisu yookiin yakka cimaa irra deddeebi'ee kan raawwate yoo ta'e; manni murtichaa sababa yakka muummeetiin adabbii murteessu waliin dabalata gochuun hayyamni kenname kun yeroo ji'a tokkoo hanga waggaa tokkoo gahuuf akka jalaa qabamu murteessuu ni danda'a.

Yakkamtichi yeroo hedduu yakka irra deddeebii yookiin cimaa ta'e kan raawwate yoo ta'e, hayyamni isaa hanga dhumaatti akka irraa fudhatamu taasifamuu ni danda'a.

Adabbiin mirga hojii tokko hojjechuu irraa mulquu akka eegamettidha /keewwata 123(c)/.

Keewwata 143. Jaarmiyaa Dhorkuufi Cufuu

Jaarmiyaan daldalaa, industirii, amantaa yookiin siyaasaa yookiin akaakuu biroo kamiyyuu tokko yakka raawwachuuf yookiin adeemsisuuf faayidaarra yoo ooleefi yakkichis nageenya ummataa irratti miidhaa kan geessisu yoo ta'e, adabbii yakkamticha irratti murtaa'e irratti dabalataan jaarmiyaan kun hojii akka dhaabuufi akka cufamu manni murtichaa murteessuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Akkasumas yakki raawwatame hidhaa cimaa waggaa tokko caaluun kan adabsiisu yoo ta'u, jaarmiyichi akka diigamu, qabeenyi isaas akka qulqullaa'u manni murtichaa ajajuu ni danda'a.

Keewwata 144. Murticha Kabajuu Dhabuun Bu'aa Hordofsiisu

1. Ajajni dhorkuu, ittisuu yookiin cufuu kan waliigalaafi dhumaa ta'uu ni danda'a; yookiin yeroo murtaa'eef yookiin iddoo murtaa'eef yookiin kutaa adda ta'e tokko keessa ta'ee murticha keessatti murtaa'uu ni danda'a.
   Murtichi maqaa yakkamtichaan yookiin nama birootiin yoo ta'ellee, yookiin jaarmiyicha tooftaa bulchiinsaa akaakuu birootiin gaggeessuun yoo ta'es yookiin haala kamiiniyyuu hojii dhorkame akka itti hin fufne isa taasisa.
2. Murtii dhorkichaa darbuun bu'uura seerichaatiin ni adabsiisa /keewwata 459/. Jaarmiyaan dhorkames deebi'ee kan baname yoo ta'e, irra deebiin ni cufama; jaarmiyaan haaraa ni diigama, qabeenyi isaas bu'uura seerichaatiin ni qulqullaa'a.

Kutaa Xiqqaa Sadi

Bilisummaa Dhuunfaa Daangessuun Tarkaanfilee Eeggannoo Raawwataman

Keewwata 145. Balleessichi Bakka Tokko Tokko Akka Hin Geenye Dhorkuu

1. Adabbii muummee irratti dabalataan yakkamaan tokko badii raawwachuuf sababa kan ta'e yookiin badii haaraa raawwachuuf kan isa gargaaru bakka tokko tokko keessumattuu, mana dhugaatii, mana hoteelaa, bakkawwan bashannanaa, bakka gabaa yookiin bakka ummanni itti walgahu kamiyyuu akka hin geenye manni murtichaa itti murteessuu ni danda'a.
2. Manni murtichaa murtii kennu keessatti daangaa bakka dhorkameefi yeroo dhorkichi itti turu ni murteessa. Yeroon dhorkaa kunis ji'a sadii hanga waggaa tokkoo gahuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 146. Iddoo Murtaa'e Tokko Jiraachuu Yookiin Oolanii Buluu Irraa Dhorkuu

1. Keewwata 145 jalatti akkuma ibsametti sababni wal fakkaataan eegumsichaaf baay'ee barbaachisaa ta'e yoo argamu, dhimmi dhorkaa kun yakkamtichi magaalaa tokko, ganda yookiin naannoo murtaa'e tokko akka hin jiraanne yookiin oolee akka hin bulle murtii dhorkuu hordofsiisuu ni danda'a.
2. Murtiin kunis yeroo murtaa'eef ta'a. Yeroon isaas akka cimina yakkichaatti, akka amala yakkamtichaafi akka haala naannoo dubbichaatti waggaa tokkoo hanga waggaa kudhanii gahuu ni danda'a.

   Manni murtichaa sababa dhorkichaa ibsuu qaba; daangaa iddoo dhorkameefi yeroo dhorkichi itti turu ni murteessa.

Keewwata 147. Dirqama Iddoo Yookiin Naannoo Tokkotti Daangeffamanii Jiraachuu

1. Yakkamtichi jeequmsa dabalataa akka uumu yookiin fuulduratti yakkamtummaan kan itti fufu fakkaatee yoo mul'ate, carraa yakka raawwachuu isaa akka hir'isuuf iddoo yookiin naannoo murtaa'e tokkotti daangeffamee akka jiraatu manni murtichaa murteessuu ni danda'a.
2. Iddoo yookiin naannoo yakkamtichi jiraatu akkasumas haala kanaan dirqama daangeffamee jiraachuun isaa yeroo itti turu manni murtichaa ni murteessa. Yeroon isaas waggaa tokkoo gadi ta`uu, waggaa shan caaluu hin danda'u.
3. Wabummaan amala gaarii keewwata 135 jalatti tumame yakkamticha irratti yoo murtaa'eefi dhimmichaaf tarkaanfiin eeggannoo gahaa yoo ta'e, tarkaanfiin eeggannoo murtaa'e kun qofti akka irratti raawwatamu manni murtichaa ni ajaja.

Keewwata 148. Balleessicha Irratti To'annoo Gochuu

1. Barbaachisaa ta'ee yoo argame hidhamaan gadi lakkifame to'annoon poolisiin irratti taasifamaa akka eegamu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.

   Seericharra tumaan faallaa ta'e kan hin jirre yoo ta'e, keessumattuu dhimma keewwata 138 jalatti tumame yoo ta'e malee, balleessichi irra deddeebiin yakkoota raawwatuuf yookiin cimina yakka raawwateen keessumattuu balaafamaa ta'uun

www.abyssinialaw.com

isaa kan mirkanaa'eefi sababuma kanaan yoo xiqqaate hidhaan salphaa waggaa tokkoo kan itti murtaa'e yoo ta'e malee murtiin kun irratti hin raawwatamu.

2. Yeroon to'annichaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii gahuu ni danda'a. Manni murtichaa yeroo itti turu ni murteessa.

   To'annichis, jireenya hawaasummaa eegamaan itti deebi'uu barbaadu, hojmaata raawwii hordofuufi jireenya baratamaa hordofuu qabu irratti haala rakkina hin geessisneen raawwatamuu qaba.

   Namni to'annoon irratti taasifamu yeroo murtaa'e keessatti yookiin akkuma waamameen abbaa taayitaa tokko biratti akka dhihaatu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.

3. Haala dubbichaafi haala amala balleessichaa hubachuun to'annaan adabamticha irratti taasifamu miseensa eegumsaa tokko qofaan yoo raawwatame kan gahu ta'uun isaa yoo amaname manni murtichaa kanuma qofaa murteessuu ni danda'a /keewwata 208/.

Keewwata 149. Waraqaalee Hayyamamanii Kennaman Yeroof Deebisanii Fudhachuu

Dhimmoonni addaa to'annoofi nageenyaaf barbaachisaa ta'an yommuu mudatan murtiilee armaan olitti bilisummaa dhuunfaa hir'isuuf tumaman dabalata gochuun waraqaaleen adabamtichaaf hayyamamanii kennaman yookiin paaspoortiin yeroof akka jalaa qabaman manni murtichaa ajajuu ni danda'a.

Murtichis adabbiin itti murtaa'e kun sababni isaafi adabbichis ragga'ee yeroo itti turu ibsee agarsiisuu qaba.

Keewwata 150. Yakkamticha Biyyaa Baasuu

1. Adabamtichi lammii biyya alaa yoo ta'eefi keessumattuu biyya keessa akka jiraatu kan hin barbaachifne yookiin balaafamaa addaa ta'uun isaa yoo ibsame yeroof yookiin hanga dhumaatti Itoophiyaa keessaa akka bahu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.

   Tarkaanfiin eeggannoo kun waggaa sadiif yookiin kanaa oliin hidhaan kan adabame yookiin yaada ogeessa addaatiin nageenya ummataaf balaafamaa

www.abyssinialaw.com

ta'uun isaa kan itti mirkanaa'e yookiin nama itti gaafatamummaa hin qabne yookiin itti gafatamummaan isaa hir'ifame irratti ajajamuu ni danda'a.

Manni murtichaa yeroo ajajichi ragga'ee itti turu murticha keessatti ibsuu qaba.

2. Manni murtichaa murtii kana murteessuun dura qaama mootummaa dhimmichi ilaallatu mari'achiisuu qaba.

   Waliigalteewwan addunyaalessaa rogummaa qaban kan eegamanidha.

3. Murtiin tarkaanfii eeggannoo biroo kamiyyuu ajaja biyyaa baasuu hin hambisan.

Keewwata 151. Raawwii Isaa

1. Murtiin biyyaa baasuu kan raawwatamu karaa abbaa taayitaa mootummaafi bu'uura dambii bulchiinsaatiin ta'a.
2. Yakkamticha irratti adabbiin bilisummaa dhabsiisu itti murtaa'ee yoo jiraate murtiin biyyaa baasuu kan irratti raawwatamu adabbii itti murtaa'e erga raawwatee yookiin adabbichi dhiifamaan yookiin baraarsaan erga hafeefi booda ta'a.
3. Murtiin kun kan ilaallatu balleessaa itti gaafatamummaa gartokkee qabu yoo ta'eefi haalawwan dubbichaa sababa gahaa kan argamsiisan yoo ta'e, adabbichi dursee irratti raawwatamuu ni danda'a; sanaan boodas, eeggannoof iddoo murtaa'e tokko akka turu /keewwata 130/ yookiin akka yaalamu /keewwata 131/, tarkaanfiin eeggannoo taasifamu murtii biyyaa baasuutiin bakka bu'uu ni danda'a.

   Raawwatichi itti gaafatamummaa kan hin qabne yoo ta'e eeggannoof iddoo murtaa'e akka turu yookiin akka yaalamu tarkaanfileen eeggannoo taasifamu, haalli dubbichaa barbaachisaa ta'ee yoo argame murtii biyyaa baasuutiin bakka bu'uu ni danda'a.

Keewwata 152. Tarkaanfii Eeggannoo Yaaliif Yeroof Dhorkuu

Yakkamticha irratti adabbiin bilisummaa dhuunfaa dhabsiisu kan itti murtaa'e yoo ta'eefi korooraan akka gadi lakkifamu ajajni kan kenname yoo ta'e bakka tokko tokko gahuu, jiraachuu, yookiin oolee buluu irraa dhorkuu, iddoo yookiin naannoo tokkotti daangeffamee yookiin murtiin biyyaa baasuu yaaliifi mirgi murticha haquu osoo hin tuqamiin bu'uura haalawwan waliigalaafi wabiiwwan seerichaan

www.abyssinialaw.com

hayyamamaniin dhorkamee akka turu manni murtichaa ajajuu ni danda'a /keewwata 207/.

Keewwata 153. Murtiileen Tarkaanfii Eeggannoo Yommuu Caban Adabbii Murtaa'u

Iddoo murtaa'e tokko tokko akka hin geenye, akka hin jiraanne yookiin oolee akka hin bulle, iddoo yookiin naannoo murtaa'e tokko dirqamaan akka jiraatu yookiin to'annoon akka irratti taasifamu ajaja dirqamaa kenname cabsuun akkasumas biyyaa akka bahu itti murtaa'ee erga bahee booda gara Itoophiyaatti akka hin galle murtii dhorkaa itti murtaa'e cabsuun namni seene bu'uura seera kana keewwata 459 fi 465 tiin ni adabama.

Kutaa Xiqqaa Afur

Tarkaanfilee Beeksisuu

Keewwata 154. Abbaa Taayitaa Dhimmichi Ilaallatutti Beeksisuu

Bu'uura kutaalee darban keessatti tumameen murtii adabbii dabalataa tokko yookiin eeggannoo duraa yookiin akkaataa eegumsaa ilaallatu yommuu kennu hundatti abbaan taayitaa dhimmichi ilaallatu murticha akka beeku, akka raawwachiisu, yookiin akka to'atu barbaachisaa yoo ta'u, murtichi kenname raawwatamaa akka ta'uufi eegamuu isaa to'achuuf akka danda'amutti abbaa taayitaa bulchiinsaa, loltummaa, poolisii yookiin qaama biroo dhimmichi ilaallatutti osoo hin turiin ni beeksisa.

Tokkoon tokkoon dhimmootaa irratti murtichi bu'aa argamsiisuu isaa mirkaneeffachuun akka danda'amutti manni murtichaa akkaataa ummataaf itti ibsamu ni ajaja.

Keewwata 155. Murtii Ummataaf Ibsuu

1. Ummata, himatamaa yookiin miidhamaa kan fayyadu ta'uun isaa yoo itti amaname murtichi guutummaan yookiin gartokkeen ummataaf akka ibsamu manni murtichaa ni ajaja.

www.abyssinialaw.com

Ibsamuun murtichaa ummataaf faayidaa kan qabu yoo ta'e, manni murtichaa malawwan sabqunnamtiin akka ibsaman ni ajaja. Faayidaan isaa abbaa dhimmaa dhuunfaaf yoo ta'e garuu abbaan dhimmaa barreeffamaan yoo iyyate malee akka ibsaman hin taasifaman.

2. Manni murtichaa sirna baratamaa beeksisni ittiin bahu hordofuun akka haala dubbichaafi hamma barbaachisummaa isaatti mala murtichi ummataaf ittiin ibsamu, qabiyyeefi baay'ina ibsichaa ni murteessa.

   Beeksisichas addabaabayii ummanni walga`utti maxxansuun, yookiin malawwan sabqunnamtii ummataa biroo kamiiniyyuu tamsaasuun raawwachuun ni danda'ama.

Keewwata 156. Galmee Murtii Irratti Galmeessuu

1. Adabbiifi tarkaanfileen eeggannoo murtiin kennaman bu'uura seerichi ajajuufi dambii riikoordii yakkamtootaa ilaallatuun galmee yakkamtootaa irratti ni galmeeffama.

   Yeroo murtichi galmaa'ee itti turuufi akkaataa itti galmaa'u, abbaa mirgaa kan ta'eefis hammi ibsamu, akkasumas haqamuu yakkichaa, moggaafamuu yakkamtichaafi bu'aa isaa tumaaleen dambichaa ni murteessu.

2. Walumaagalatti adabbiileen yakkaa galmeelee yakkamtootaa irratti kan galmaa'an balleessummaa duraa adabamtichaa abbootiin taayitaa murtii dhimmichi ilaallatu akka beekaniifidha. Adabamtichi moggaafamee kallattii qajeelaa jireenya hawaasummaatti deebi'uu danda'u akka jalaa hin gufachiifne yaaduun garee sadaffaa yookiin namoota dhimmichi hin ilaallanneef hin ibsamu.

Boqonnaa Afur

Tarkaanfilee Eeggannoofi Adabbiilee Namoota Gaa`elaaf Hin Geenye Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Bara Umurii Waggaa Sagaliifi Kudha Shan Gidduu Jiru

www.abyssinialaw.com

Kutaa Xiqqaa Tokko

Tarkaanfilee Eeggannoo Idilee

Keewwata 157. Qajeeltoo

Dargaggoon umuriin isaa waggaa sagalii hanga kudha shanii ta'e, yakkoota seera yakkichaatiin tumaman keessaa tokko raawwatee yommuu argametti /keewwata 53/ manni murtichaa tumaalee waliigalaa seerichaa hordofuufi galma addaa dubbichaa bira gahuuf /keewwata 55/ barbaachisaa yoo ta'es dubbicha hubachuuf qorannoon barbaachisaa ta'e akka taasifamu erga ajajee booda /keewwata 54/ tarkaanfilee eeggannoo armaan gaditti ibsaman keessaa tokko ni ajaja.

Keewwata 158. Dhaabbata Yaalli Itti Taasifamutti Erguu

Raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye yaala kan isa barbaachisu yoo ta'e keessumattuu sammuun dadhabaa, guddinni sammuu isaa kan qummuune, sammuun isaa kan dhukkubsate, dhukkuba gaggabdoo kan qabu, araada dhugaatii alkooliitiin kan qabame yookiin wantoota naarkootikiifi saayikotiroppikiitiin yookiin baalawwan sammuu adoochaniin summaa`ee yoo argame dhaabbata yaalaa barbaachisaa ta'etti akka yaalamu manni murtichaa ni ajaja.

Kan danda'amu yommuu ta'etti, yaalli kennamu barumsaafi leenjii kan hammate ta'uu qaba.

Keewwata 159. To'annoo Gochuun Barumsa Kennamu

1. Raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye guddisa gaariin kan hin guddanne yookiin maaldhibdummaan kan dhiifame yookiin amalli isaa gara hojii badaatti kan duufe yookiin kan duufu yoo ta'e, eegduun to'annoon irratti gaggeeffamaa barumsaafi guddisa akka argatu ni ajajamaaf.

   Firoota eegduu ta'uu danda'an kan hin qabne yoo ta'e, yookiin qabaatees dandeettii kan hin qabne yoo ta'an, nama gahumsa qabuuf yookiin jaarmiyaa daa'imman eeguufi barsiisuuf hundaa'aniif akka kennamu ni ajajama.

www.abyssinialaw.com

Eegdonni armaan olitti tarreeffaman amala gaarii dargaggoo gaa`ela hin geenye imaanaan isaanitti kenname kan hordofan ta'uu isaanii mana murtiitti dhihaatanii itti gaafatamummaa isaanii barreeffamaan ni mirkaneessu.

Eegdonni haala gaarii dargaggoo gaa`ela hin geenye imaanaan isaanitti kenname hordofuu isaanii miseensonni eegumsaa dhiheenya isaaniitti argaman /keewwata 208/ ni to'atu.

2. Mana barumsaa yeroo mara akka deemu, yookiin hojii ogummaa akka shaakalu, namoota tokko tokko qunnamuu irraa yookiin bakka tokko tokko gahuu irraa akka dhorkamu, yeroowwan murtaa'anitti abbootii taayitaa eegumsaa duratti akka dhihaatu yookiin gabaasa akka dhiheessu, dirqamoota kanaafi kana fakkaatan irratti ajajamuu ni danda'u.

   Akka haalaafi galma dubbichaatti raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye yookiin namoota eegduu amala isaa ta'an irratti daangaawwan kunneen raawwatamoo akka ta'an ajajamuu ni danda'a.

3. Barbaachisaa ta'ee yoo argame manni murtichaa yookiin miseensichi eegumsaa namoota yookiin jaarmiyaalee eegduu amala dargaggichaa ta'an hubachisuufi akeekkachiisuu ni danda'a.

   Eegdonni sababa kamiiniyyuu itti gaafatamummaa guddisuufi barsiisuu isaanii bahuu yoo dadhaban manni murtichaa aangoo eegdummaa isaanii irraa kaasuu ni danda'a.

Keewwata 160 Ceephoofi Qeeqa

1. Barbaachisaafi bu'aa gaarii kan argamsiisu ta'ee yoo isatti mul'ate manni murtichaa raawwataa yakkaa gaa`ela hin geenye ni ceepha'a yookiin ni qeeqa.

   Qeeqni kunis raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye bu'aa gochichaa akka hubatuufi fuulduraafis miira gocha gaariifi amala gaarii akka qabaatu kan isa taasisu ta'uu qaba.

2. Raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye dandeettii hubannaa isaafi salphina yakka inni raawwatee yookiin haala raawwii isaa tilmaama keessa galchuun dargaggicha sirreessuuf gahaadha jedhee yoo itti amane manni murtichaa qeeqaan yookiin ceephoo qofaan irra darbuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Faayidaa kan qabu yommuu ta'u tarkaanfilee eeggannoo biroo yookiin adabbii kamiyyuu irratti qeeqni dabalamuu ni danda'a.

Keewwata 161. Mana Barumsaatti Yookiin Mana Jireenyaatti Daangeffamee Akka Turu Taasisuu

Badichi cimaa yoo hin taaneefi raawwataan yakkichaa gaa`ela hin geenyes salphaatti kan sirraa'u yoo fakkaate dargaggichi mana barumsaa yookiin mana jireenyaa isaatii osoo hin bahiin sa'aatii yookiin guyyaa boqonnaa isaatti hojii umurii isaatiin wal gituufi bakka murtaa'e tokkotti akka hojjetu manni murtichaa ni ajaja.

Akka haala dubbichaafi akka cimina badichaatti raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye mana barumsaatti yookiin mana jireenyaatti yeroo inni daangeffamee itti turu manni murtichaa ni murteessa.

Raawwataan yakkaa eegduu isaa jala ta'ee murticha sirriitti raawwachuu isaa mirkaneessuuf tarkaanfileen dandeessisan akka fudhataman manni murtichaa ni ajaja.

Keewwata 162. Dhaabbata Sirreessaa Amalaatti Erguu

Amala yookiin seenaa badaa durii raawwataa yakkaa dargaggoo, akkasumas ciminaafi haala raawwii yakkichaa tilmaama keessa galchuun gara dhaabbata addaa raawwattoota yakkaa dargaggoo sirreessuufi barsiisuuf hundeeffamaniitti akka seenu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.

Kanaanis, dargaggichi sirna naamusa rogummaa qabuun eegamaa barumsa waliigalaa, safuufi barumsa ogummaa addaddaa ittiin jiraatu /shaakala hojii/, akkasumas gara jireenya hawaasummaatti akka deebi'uufi qajeeltummaan hojjechaa akka jiraatuuf kan barbaachisan hunda akka baratu ni taasifama.

Keewwata 163. Yeroo Turmaataa Tarkaanfilee Eeggannoo

1. Akka waliigalaatti, yeroon yaalaa /keewwata 158/fi tarkaanfileen eeggannoo eegamanii barachuu /keewwata 159/ ragga'anii kan turan hanga yeroo abbaan

www.abyssinialaw.com

aangoo yaalaa yookiin eegumsaa ni barbaachisa jedhee murteessee dhiheesseen yoo ta'u, raawwataan yakkaa hanga gaa`ela gahuttis itti fufuu ni danda'u. Tarkaanfileen eeggannichaa kaayyoo isaanii galmaan kan gahan ta'uu isaanii ibsuudhaan abbootiin taayitaa itti gaafatamummaan kennameef yaada dhiheessanitti manni murtichaa yoo amane tarkaanfileen eeggannichaa hafaa akka ta'an ni murteessa.

2. Murtiin gara dhaabbata sirreessaa amalaatti erguu /keewwata 162/ kan ajajamu akka waliigalaatti yoo xiqqaate waggaa tokko yoo baay`ate waggaa shan yeroo ta'uufidha. Haala kamiiniyyuu yoo ta'e bara dargaggichi gaa`elaaf ga'u seeraan murtaa'e darbuu hin danda'u.

   Murtiin akaakuu akkanaa yoo kennamu yeroo ragga'ee itti turu murtii keessatti ibsamuu qaba.

   Dargaggichi yeroo waggaa tokkoo armaan olitti ibsame erga xumuree booda, bu'uura dirqamoota waliigalaa seerichaa keessatti tumamaniin /keewwata 205/ hanga yeroon yaalii murtichaan itti murtaa'e xumuramutti dambiilee amala gaarii hordofuufi raawwachuu qabu akka eeguufi to'annoo miseensa eegumsaa jala akka turu taasifamee /keewwata 208/ yeroo itti murtaa'e hunda osoo hin xumuriin qormaataaf korooraan gadi lakkifamuu ni danda'a.

Keewwata 164. Tarkaanfilee Eeggannoo Jijjiiruu

Manni murtichaa raawwataa yakkaa dargaggichaaf kan fayyadu ta'ee yoo arge yaada bulchiinsi dhaabbatichaa dhiheessu ka'umsa godhachuun bu'uura keewwattoota armaan olitti ibsamaniin ajaja kenname jijjiiruu ni danda'a.

Keewwata 165. Bu'aa Seeraa Tarkaanfilee Eeggannoo

Tarkaanfileen eeggannoo yaalaa, barumsaa yookiin sirreessaa armaan olitti ibsaman keessaa tokko raawwataa yakkaa dargaggoon itti murtaa'ee akka adabametti hin lakkaawamu.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Xiqqaa Lama

Adabbiilee

Keewwata 166. Qajeeltoo

Tarkaanfileen eeggannoo keewwattoota 158-162 itti tumaman bu'aa osoo hin argamsiisin yoo hafan, manni murtichaa badii raawwataa yakkaa gaa`elaaf hin geenye raawwate madaaluun barbaachisaa yoo ta'es, ragummaafi qorannoon ogeessa addaatiin akka taasifamu erga ajajee booda /keewwata 54/ adabbiilee armaan gaditti tumaman keessaa tokko itti murteessuu ni danda'a.

Keewwata 167. Adabbii Maallaqaa

1. Raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye adabbii maallaqaa kaffaluun isaa adabbii ta'ee kan itti dhagahamu, kan isa barsiisuufi badii isaa irraa kan isa deebisu fakkaatee yoo itti mul'ateefi adabbii maallaqichaa kaffaluuf kan danda'u ta'uu isaa yommuu hubate manni murtichaa akka cimina badichaafi dandeettii qabeenya maallaqaa isaatti maallaqa adabbii akka kaffalu itti murteessuu ni danda'a.
   Adabbiin maallaqaas adabbiilee biroo waliin dabalataan murtaa'uu ni danda'a.
2. Tumaaleen adabbii maallaqaa kaffaluufi adabbii maallaqichaa adabbii akaakuu birootti jijjiiruu ilaallatan /keewwata 94 fi 95/ balleessitoota gaa`ela hin geenye irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

Raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye itti yaadee maallaqicha adabbii yeroo kennameef keessatti kan hin kaffalle yoo ta'e, bakka adabbii maallaqichaa hanga yeroo manni murtichaa murteessuun mana barumsaatti yookiin mana jireenyaatti daangeffamee akka turu taasisuun ni danda'ama /keewwata 161/.

Keewwata 168. Hidhaa

1. Raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye akkaataa seerichaatti yakka cimaa adabbii hidhaa cimaa waggaa kudhan yookiin isaa ol ta'een yookiin adabbii du'aa hordofsiisu kan raawwate yoo ta'e, manni murtichaa:

www.abyssinialaw.com

(a) faayidaa waliigalaatiif jecha tarkaanfiin eeggannoo mirkanneessa nageenyaa, namarraa adda bahee jiraachuu yookiin sirna addaa raawwachiisa eegumsaa akka irratti raawwatamaniif gara dhaabbata sirreessaa amalaatti akka ergamu ni ajaja /keewwata 162/; yookiin

(b) balleessichi balaafamaafi nageenya kan jeequ yookiin tasgabbii kan booressuufi namoota birootiif fakkeenya badaa ta'uu isaa yommuu hubate, dhimma akkasii kana dambiilee bu'uuraa namarraa adda baasanii jiraachisuu hordofuun gara mana hidhaa adabbiin itti raawwatamuutti kallattiin akka ergamu ni ajaja /keewwata 110(2)/.

2. Cimina yakkaa dargaggichi raawwateefi haala umurii yeroo badii sana raawwate bu'uura godhachuun hamma yeroo hidhamee itti turuu manni murtichaa ni murteessa. Yeroon isaas waggaa tokkoo gadi osoo hin ta'iin hanga waggaa kudhanii gahuu ni danda'a.

   Dargaggichi gara dhaabbata sirreessaa amalaatti erga ergamee booda, sababa haala amala isaatiin yookiin balaa inni geessisuu danda'uun gara mana hidhaatti erguun barbaachisaa ta'uu isaa kan itti amaname yoo ta'e, yookiin umuriin isaa waggaa kudha saddeeti (18) kan guute ta'ee yoo argameefi adabbiin itti murtaa'es yeroo inni gaa`ela itti gahu caaluun kan hiisisu yoo ta'e, gara mana hidhaatti ni ergama.

   Yeroo akkana ta'es manni murtichaa yeroo dargaggichi hidhamee itti turu murteessuuf, balleessichi yeroo dhaabbata sirreessaa amalaa tureefi bu'aa fooyya`insaa turtiin isaa hordofsiise tilmaama keessa ni galcha.

3. Adabbiin qabamanii mana hidhaa keessa turuu kan raawwatamu dambii akaakuu seera hidhaa salphaan ittiin raawwatamuun ta'a /keewwata 106/. Akkasumas amalli dargaggichaa kan fooyya'e ta'uun isaa yoo tilmaamame bu'uura baratameefi seericha keessatti tumameen dambiin korooraan dursanii gadi lakkifamuu raawwatamaa ni ta'a /keewwata 113/.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Xiqqaa Sadi

Tumaalee Waliinii

Keewwata 169. Haalawwan Salphaa; Sababa Gahaan Adabbii Hambisuu

Yakkichi salphaa ta'ee erga raawwatamee yoo xinnaate ji'a jaha erga darbee booda manni murtichaa barbaachisaa yookiin kan fayyadu ta'ee yoo itti hin mul'anne tarkaanfii eeggannoo yookiin adabbii itti hin murteessu.

Akkasumas, tarkaanfileen eeggannoo barsiisuufi sirreessuu amalaa yookiin adabbiin warraan yookiin firootaan dursee kan irratti raawwate yoo ta'e, yookiin dargaggichi gaa'ela hin geenye amala gaarii yoo horateefi kan sirraa'e fakkaatee yoo mul`ateefi amala yakka irra deebi'ee raawwachuu kan hin agarsiifne ta'ee yoo argame manni murtichaa tarkaanfii eeggannichaa yookiin adabbicha itti hin murteessu.

Keewwata 170. Dambii Darbiinsa Yeroo Addaa

1. Yakkichi yeroo raawwatame irraa eegalee akkaataa dhiheessuu himannaa yakkaatiif kan tumame darbiinsi yeroo idilee yookiin addaa walakkaan isaa yoo darbe /keewwata 217,218/ haalli naannoo dubbichaa sababa gahaa kan argamsiisu ta'ee yoo itti amaname yakkoota ciccimoo keewwata 168 jalatti tumaman yoo ta'an malee, manni murtichaa gocha raawwii eeggannoofi adabbii kamiyyuu hafaa ni taasisa.
2. Yakkoota ciccimoo keewwata 168 jalatti tumaman ilaalchisee akkaataa dhiheessa himannaafi adabbiif kan tumame darbiinsi yeroo waliigalaa raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 171. Murticha Daangaan Dhorkuu

Yakkoota ciccimoo ilaalchisee keewwata 168 jalatti kan tumaman akkuma eegamanitti ta'ee, haalawwan bu'aa gaarii argamsiisan raawwatamanii yoo argaman, to'annoo miseensa eegumsaa jala ta'ee yeroo murtaa'eef qormaataan turee, murtii adabbii kennuu yookiin raawwachuu dhorkuuf kan tumaman

www.abyssinialaw.com

/keewwata 190-200/ raawwattoota yakkaa gaa`ela hin geenye irratti yeroo hundaa raawwatamoo ni ta'u.

Yeroon qormaatichaa waggaa tokkoo hanga waggaa sadii ni ta'a.

Keewwata 172. Bu'aa Tarkaanfii Eeggannoofi Adabbichi Mirga Hawaasummaa Irratti Hordofsiisu

Ciminni yakka raawwataan yakkichaa raawwatee keewwata 168 jalatti kan kufu yoo ta'e, mirga hawaasummaa irraa mulquun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa manni murtichaa haala adda ta'een yoo hubate malee, tarkaanfiin eeggannoofi adabbiin balleessaa gaa`ela hin geenye irratti murtaa'e kamiyyuu, dargaggicha irratti bu'aa mirga hawaasummaa dhabuu hordofsiisuu hin danda'u.

Keewwata 173. Tarkaanfilee Ittisaafi Eegumsaa Waliigalaa

Qabeenya mootummaaf galii ta'uu qabu /keewwata 100/ fi wantoota balaafamoo dhaaluu /keewwata 140/ akkasumas bakkawwan tokko tokkotti akka hin deddeebine dhorkuu /keewwata 145/ tumaaleen ilaallatan raawwattoota yakkaa gaa`ela hin geenye irratti raawwatamoo ni ta'u.

Akkasumas, amala isaa fooyyessuun kan hin danda'amneefi hawaasichaaf balaafamaa fakkaatee kan mul'ate raawwataan yakkaa gaa`ela hin geenye lammii biyya alaa ta'e adabbii sirreessuu amalaa yookiin hidhaan turuu itti murtaa'e erga raawwatee booda biyyaa akka bahu manni murtichaa ajajuu ni danda'a /keewwata 150/.

Dhimmi adabbiifi tarkaanfii eeggannoo raawwattoota yakkaa gaa`ela hin geenye irratti murtaa'e raawwachiisuu, abbootii taayitaa mootummaafi namoota yookiin dhaabbilee aangoon guddistummaa kennameef dhimmichi ilaallatuuf /keewwata 154/ ibsamuu qaba.

Keewwata 174. Murtii Ibsuufi Galmee Murtii Irratti Galmeessuu

Murtiin raawwataa yakkaa gaa`ela hin geenye ilaallatu yeroo kamiyyuu malawwan sabqunnamtiin hin ibsamu / keewwata 155/.

www.abyssinialaw.com

Murtiin adabbiifi tarkaanfiin eeggannoo galmee yakkamtootaa irratti kan galmaa'u /keewwata 156/ abbootii taayitaa bulchiinsaafi murtii mootummaa dhimmi isaan ilaallatuuf odeeffannoo barbaachisaa kennuuf akka tajaajilu qofaaf waan ta'eef, sababa kamiiniyyuu waraabbii galmee kanaa namoota biroo dhimmichaaf alagaa ta'aniif ibsuun gonkumaa kan dhorkamedha.

Keewwata 175. Murtii Haquufi Moggaasuu

Ijoolleen gaa`ela hin geenye yookiin bu'uura seeraatiin namoonni isaan irratti aangoo qaban yoo gaafatan adabbii hidhaa irraa kan hafe, raawwataa yakkaa gaa`ela hin geenye irratti murtiin tarkaanfii eegannoofi adabbiileen biroo raawwatamanii waggaa lama keessatti moggaafamuuf haalawwan barbaachisan kan guutaman yoo ta'e, manni murtichaa murtiileen galmee yakkamtootaa irraa akka haqaman ni ajaja /keewwata 232-237/.

Kutaa Lama

Raawwataa Yakkaa Dargaggoo Waggaa Kudha Shanii Ol, Waggaa Kudha Saddeetii Gadi Jiru

Keewwata 176. Haala Idilee

Raawwataa yakkaa dargaggoo waggaa kudha shanii ol, waggaa kudha saddeetii gadi ta'e yommuu yakka raawwate manni murtichaa bu'uura tumaalee seeraa idileetiin /keewwata 56/ yommuu murteessu haalli naannoo dubbichaa sababa gahaa kan argamsiisu tahuu isaa kan tilmaame yoo ta'e, bu'uura seerichi hayyamuun /keewwata 179/ adabbii salphisuufii ni danda'a.

Raawwatichi waggaa kudha saddeet osoo hin guutiin sababa akaakuu yakkaa raawwate kamiiniyyuu adabbiin du'aa itti murtaa'uu hin danda'u /keewwata 117/.

Adabbiin bilisummaa dhabsiisuu yommuu raawwatamu, yakkamtoota gaa`ela gahan irraa dambiin adda bahanii hidhamuu hanga gaa`ela gahutti ciminaan raawwatamuu qaba /keewwata 110(2)/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 177. Haala Addaa

1. Balleessichi guddina qaama isaatiin yookiin sammuu isaatiin akka dargaggoo umurii waggaa kudha shanii gadi jiru ta'eetti yoo tilmaamame yookiin yakki inni raawwate cimaa yommuu hin taaneefi akka yaada ogeessi addaa dhiheessetti balleessitoota dargaggoo waggaa sagalii hanga kudha shanii ta'aniif boqonnaa kan kutaa tokko keessatti kana murtaa'an kan yaalaa, barnootaa yookiin tarkaanfileen sirreessuu amalaa irratti raawwatamuun barbaachisaa ta'ee yommuu argame, manni murtichaa bu'uura armaan olitti tumameen adabbii salphisuurra tarkaanfilee eeggannoo kanneen keessaa tokko akka irratti raawwatamu, keessumattuu gara mana yaalaa yookiin gara dhaabbata sirreessaa amalaatti akka ergamu sababa ifaafi gahaa ta'een ajajuu ni danda'a.
2. Haala kamiiniyyuu taanaan yeroon yaalchisuu, barumsaan leenjisuu yookiin iddoo sirreessa amalaa tursiisuun yeroo gaa`ela gahiinsa seera qabeessa ta'e darbuu hin danda'u /keewwata 163/.

   Yeroon kun darbuun dura manni murtichaa barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ateefi keessumattuu dargaggichi sirreessa amalaa irraa yoo gadi lakkifamu mana hidhaa akka turu /keewwata 168(2)/ ajajuun barbaachisaa ta'ee yoo argame, yeroo dhaabbata sirreessa amalaa ture keessaa hammamtu adabbii hidhaa itti murtaa'u keessatti lakkaawwamuu akka qabu murteessuuf dursee murtii tarkaanfii eeggannoo dargaggichaa irratti dabarsee ture qorachuu ni danda'a.

Mata Duree Lama

Adabbii Murteessuufi Dhorkuu, Himannaafi Adabbii Addaan Kutuufi Hambisuu

Boqonnaa Tokko

Adabbii Murteessuufi Dhorkuu

Kutaa Tokko

Adabbii Murteessuu

Keewwata 178. Akkaataa Murtii Adabbii Salphisuu yookiin Cimsuu

Qajeeltoowwan waliigalaa murtii adabbii ilaalchisee tumaman /keewwata 88/ akkuma eegamanitti ta'anii, dabalataan adabbicha salphisuuf yookiin cimsuuf

www.abyssinialaw.com

seerichi kan hayyame yookiin dirqama yommuu taasise hunda manni murtichaa tumaalee armaan gaditti ibsaman hordofuun ni murteessa.

Kutaa Xiqqaa Tokko

Dambii Adabbii Salphisuufi Adabbiirraa Bilisa Taasisuu

Keewwata 179. Dambii Idilee Adabbii Salphisu

Manni murtichaa bu'uura keewwata kanaatiin adabbii salphisuu akka danda'u seeraan kan tumame yommuu ta'u hunda adabbii salphisuun barbaachisaa ta'ee yommuu argu:

(a) bakka adabbii du'aa, hidhaa cimaa waggaa digdamaa hanga umurii guutuu gahu;
(b) bakka hidhaa cimaa umurii guutuu, adabbii hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamaa gahu;
(c) kutaa addaa seerichaa keessatti ka'umsi adabbii hidhaa cimaa olka'ee tumamee yoo jiraate, bakka adabbii kanaa kutaa waliigalaa seerichaa keessatti ka'umsa ta'ee kan tumame waggaa tokko irraa eegalee adabbii hidhaa cimaa;
(d) bakka hidhaa cimaa ka'umsi isaa waggaa tokko ta'e, adabbii hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa shanii gahu;
(e) kutaa addaa seerichaa keessatti ka'umsi adabbii hidhaa salphaa olka'ee tumamee kan jiru yoo ta'e, bakka adabbii kanaa adabbii hidhaa salphaa guyyaa kudhanii gadi hin taane;
(f) bakka adabbii hidhaa salphaa guyyaa kudhanii gadi hin taane, hojii dirqamaa yookiin adabbii maallaqaa ni murteessa.

Keewwata 180. Akka Itti Fakkaatetti Adabbii salphisuu

Manni murtichaa akka itti fakkaatetti adabbii salphisuu qaba yookiin ni danda'a jedhamee seeraan tumamee yommuu argamu, bu'uura armaan gaditti ibsameen adabbii murteessuuf aangoo ni qaba.

www.abyssinialaw.com

Manni murtichaa bu'uura keewwata kanaatiin adabbii salphisuu qaba yookiin ni danda'a jedhamee seeraan yoo tumame, akaakuu adabbii kutaa addaa seera kanaan tumame yookiin ka'umsa adabbiitiin osoo hin daangeffamiin ka'umsa adabbii sanarraa gadi buusee yookiin akaakuu adabbii biroo salphaa ta'e bakka buusee murteessuuf aangoo ni qaba. Ta'us, akaakuu adabbii manni murtichaa murteessu kamiyyuu kutaa waliigalaa seera kanaatiin tokkoon tokkoon akaakuu adabbiif ka'umsa tumamerraa gadi bu'uu hin danda'u /keewwata 90,106 fi 108/.

Keewwata 181 Tumaalee Waliinii

Hanga seerichi hayyameen manni murtichaa adabbii salphisuun yommuu murteessu, qajeeltoo waliigalaa balleessummaa ilaallatu bu'uureffachuun hanga adabbichaa ni murteessa /keewwata 57/.

Manni murtichaa adabbii /keewwata 179/tiin yookiin /keewwata 180/tiin yommuu salphisu hunda beenyaan akka kaffalamu murteessuu ni danda'a /keewwata 101/. Barbaachisaa ta'ee yoo argames adabbiilee dabalataa /keewwata 121-128/ fi tarkaanfilee eeggannoo waliigalaa ittisaafi eegumsa ilaalchisee tumaman / keewwata 134-153/ walitti dabalee murteessuu ni danda'a.

Keewwata 182. Adabbiirraa Bilisa Taasisuufi Adabbii Dhiisuu

Manni murtichaa balleessicha adabbii kamiyyuu irraa bilisa taasisuufi guutummaan yookiin gartokkeen adabbii dhiisuu kan danda'u seericha irratti ifatti tumamee yoo argame qofadha.

Kutaa Xiqqaa Lama

Dambii Adabbii Cimsu

Keewwata 183. Dambii Idilee Adabbii Cimsu

Adabbiin akka cimu seerichi yoo tume /keewwata 84/ akaakuufi baay'ina sababoota adabbicha cimsuuf ta'an akkasumas, cimina badii yakkamtichi raawwatee madaaluun manni murtichaa tumaa rogummaa qabu kutaa addaa

www.abyssinialaw.com

seera kanaan tumameen fiixee adabbii murtaa'e osoo hin darbiin adabbicha ni murteessa.

Keewwata 184. Yakkoonni Qabatamoo Yommuu Dachaa Ta'an Adabbii Cimsuu

1. Dhimmi yakka qabatamaa dachaa ta'e yoo mudatu / keewwata 85/ manni murtichaa cimina badii yakkamtichaa madaaluun bu'uura dambiilee armaan gadiitiin adabbicha cimsee ni murteessa.

   (a) yakkoota dachaa bilisummaa yookiin lubbuu dhabsiisuun adabsiisan keessaa sababa isa tokkoon du'a yookiin hidhaa umurii guutuu yookiin yakkoonni kun adabbii hidhaa akaakuu wal fakkaataa kan adabsiisan ta'ee, sababa isa tokkoon adabbii olaanaan kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame /keewwata 106 fi 108/ yoo murtaa'u, keewwata xiqqaa kana (c) fi (e) tiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, murtiin kun adabbii yakkoota dachaa biroo ilaalchisee murtaa'u hunda walitti hammatee ni qabata.

   Ta'us, sababa yakka isa cimaatiin, adabbiilee armaan olitti ibsaman keessaa tokko murtaa'uun hafee adabbii olaanaa kutaa waliigalaa seerichaan tumame irraa gadi buufamee adabbiin hidhaa kan murtaa'e yoo ta'e, sababa yakkoota dachaa birootiin manni murtichaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (b) tiin adabbicha olkaasa.

   (b) Yakkoonni dachaa lama yookiin isaa ol ta'aniifi adabbiilee bilisummaa dhabsiisan hordofsiisan yoo mudatan, tokkoon tokkoon yakkoota dachaan raawwatamaniif adabbiin barbaachisaa ta'e murtaa'ee hundumtuu ni ida'ama. Ta'us, akaakuu adabbichaaf kutaa waliigalaa seerichaan adabbii olaanaa tumame caaluu hin danda'u.

   Yakkoonni hidhaa cimaafi hidhaa salphaatiin adabsiisan dachaa ta'anii yoo argaman raawwii keewwata kanaatiif adabbiin hidhaa salphaa waggaa lamaa akka hidhaa cimaa waggaa tokkootti ni lakkaawama.

   (c) yakkoonni hidhaafi adabbii maallaqaatiin adabsiisan dachaa ta'anii yoo mudatan, adabbiileen lamaanuu walitti dabalamanii ni murtaa'u. Akkaataan murtii isaas, gama hidhaa ilaallatuun tumaa keewwata xiqqaa kana (1) (b),

www.abyssinialaw.com

gama adabbii maallaqaa ilaallatuun immoo tumaa keewwata xiqqaa kana (1) (d) bu'uura godhachuun ta'a.

(d) yakkoonni dachaa lama yookiin isaa ol ta'an adabbii maallaqaa hordofsiisan yommuu mudatan, tokkoon tokkoon yakka dachaa raawwatameef adabbiin barbaachisaa ta'e murtaa'ee hundumtuu ni ida'ama. Yakkamtichi miira jaalala maallaqaatiin kaka'ee kan raawwate yoo ta'e malee /keewwata 92/, adabbii maallaqichaa daangaa adabbii maallaqaa olaanaa kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame dabarsuun hin danda'amu.

(e) manni murtichaa sababa yakkoota dachaa ta'an keessaa tokkoon qabeenyi adabamtichaa akka dhaalamu kan murteesse yoo ta'e, sababa yakka birootiin adabbii maallaqaa dabalataan murteessuu hin danda'u.

2. Bu'uura seera kana keewwata 60(c) jalatti tumameen yakkoonni dachaa yoo mudatan, haala birootiin kan tumame yoo ta'e malee, adabbichi bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin ni murtaa'a.
3. Adabbiin dabalataa yookiin tarkaanfiin eeggannoo ittisaafi eegumsaa yookiin sirreessuu amalaa yookiin nageenyaa kamiyyuu, tumaa rogummaa qabu tokko irratti yookiin yakkoota dachaa ta'anii raawwataman keessaa yakka tokko qofaaf murtaa'ee yoo argamellee adabbii waliigalaa waliin raawwatamaa taasisuun ni danda'ama.

Keewwata 185. Haala Addaa

1. Yakkoonni hariiroo qaban yommuu raawwataman, isaan keessaa tokko kan raawwatame yakki biroo akka raawwatamu taasisuuf yookiin mijeessuuf yookiin kan biroof dawoo akka ta'u taasisuuf yaadamee yoo ta'e, bu'uura keewwata armaan olitti tumameen manni murtichaa adabbicha hanga gulantaa olaanaatti cimsee murteessuu qaba.
2. Yakkoonni qabatamoo dachaa hariiroo qaban kan akka ajjeechaa cimaa yookiin wanbadummaa cimaa kan fakkaatan adabbii kan cimsu yakka addaa tokko kan hundeessan ta'uun isaanii kutaa addaa seerichaa keessatti yoo tumame, tumaaleen yakkoota akkanaaf ibsaman raawwatamoo ni ta'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 186. Yakki Dachaa Duraan Raawwatame Murtiin Booda Beekamuu Isaa

1. Balleessichi yakkaan itti murtaa'ee adabbicha raawwachaa osoo jiruu yookiin erga xumuree booda, murtiin kennamuun dura yakka dachaa biroo raawwate jiraachuun isaa yoo beekame, manni murtichaa yakkoota dachaa balleessichi raawwateen yeroo tokkotti osoo itti murtaa'ee jiraatee adabbii olaanaa silaa itti murtaa'uu danda'u osoo hin darbiin ni murteessa.
2. Manni murtichaa adabbii dursee murtaa'e tilmaama keessa galchuun, bu'uura keewwattoota armaan olitti ibsamaniin murtii barbaachisaa ta'e ni kenna.
3. Himannaawwan yakkaa walitti dabalamanii ilaalamuun isaan irra ture, manneen murtii yookiin dhaddachoota addaddaatti kophaa kophaatti ilaalamanii adabbiileen addaddaa yoo murtaa'an, akkaataan murtii adabbii waliigalaa bu'uura tumaalee armaan olitti ibsamaniin ta'a.

Keewwata 187. Gocha Tokkoon Yakkoonni Dachaa Yommuu Raawwataman Haala Adabbiin Itti Cimu

1. Yakkamtichi gocha tokkoon yeroo tokkotti tumaalee seeraa dachaan darbee yoo argame /keewwata 65/, manni murtichaa haala naannoo dubbichaa yommuu qoratu keessumattuu, yakkamtichi itti yaadeefi karoorfatee seera darbuu isaa yookiin amala badaa ifa ta'e agarsiisuusaa yoo amane, bu'uura keewwata 184 jalatti ibsameen adabbii isaa cimsee murteessuu ni danda'a.

   Haala birootiin garuu, tumaa seeraa rogummaa qabuun daangaa adabbii olaanaa yakka cimaaf tumame osoo hin darbiin manni murtichaa adabbicha ni murteessa.
2. Yakkoonni dachaa bu'aa qabatamaa addaddaa hordofsiisan yommuu raawwataman manni murtichaa adabbicha akka armaan gadiitti ni cimsa:
   (a) balleessichi yakkoota dachaa keessaa itti yaadee yoo xiqqaate tokko kan raawwate yoo ta'e /keewwata 66 (1) (a) fi (b)/, bu'uura keewwata 184 tiin adabbii itti ni murteessa.
   (b) yakkoonni dachaa kan raawwataman dagannoon yoo ta'e /keewwata 66 (1) (c)/, adabbii olaanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka cimaaf tumame osoo hin darbiin adabbii itti ni murteessa.

www.abyssinialaw.com

(c) yakkoonni balleessichi itti yaadee raawwate nageenyaafi faayidaa hawaasaa kan miidhan ta'anii yommuu argaman /keewwata 66 (2)/, manni murtii bu'uura keewwata 184 tiin adabbicha ni cimsa.

Keewwata 188. Badii Irra Deddeebi'ameen Adabbii Cimsuu

1. Haalawwan seera kana keewwata 67 jalatti ibsamaniin yakki haaraan tokko yommuu raawwatame, manni murtii adabbii cimsuu kan qabu yoo ta'u, yakkicha haaraaf adabbii fiixee kutaa addaa seerichaa keessatti tumame darbuun murteessuu ni danda'a. Manni murtichaa yakkicha haaraaf yookiin yakkoota dachaa haaraa keessaa yakka cimaa ta'eef kutaa addaa seerichaa keessatti adabbii fiixee tumame hamma dachaa ta'utti adabbicha cimsuu ni danda'a.
2. Akaakuufi baay'ina yakkoota irra deddeebi'amaniin akkasumas, balleessummaa yakkamtichaafi hanga balaafamummaa gochichaatiin, manni murtichaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti adabbii olaanaa ibsame osoo hin hordofiin, akaakuu adabbichaatiif kutaa waliigalaa seerichaatiin hanga adabbii olaanaa tumameetti olkaasuu ni danda'a.

   Yakkamtichi irra deddeebi'aa amaleeffataa yoo ta'e, yakkicha haaraaf adabbii fiixee kutaa addaa seerichaa keessatti tumame dachaa darbuun manni murtichaa adabbicha olkaasuu qaba.
3. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) yookiin xiqqaa (2) tiin adabbiin murtaa'u, yeroo kamiyyuu yoo ta'e, akaakuu adabbichaaf adabbii fiixee kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame caaluu hin danda'u /keewwata 106 fi 108/.

Kutaa Xiqqaa Sadi

Sababoonni Adabbii Salphisaniifi Cimsan Walirra Bu'uu

Keewwata 189. Sababoonni Addaddaa Adabbii Salphisaniifi Cimsan Walirra Bu'uu

Sababoonni addaddaa adabbii salphisaniifi cimsan yommuu argaman, manni murtichaa adabbii kan murteessu bu'uura armaan gaditti tumameen ta'a:

www.abyssinialaw.com

1. Yakka tokkorratti sababoonni adabbii cimsaniifi salphisan yommuu walirra bu'an, manni murtichaa dursee sababoota adabbii cimsan tilmaama keessa galchuun adabbicha cimsee /keewwata 183/ itti aansuun sababoota adabbii salphisan bu'uura godhachuun adabbicha ni hir'isa /keewwata 179,180/.
2. Balleessichi yakkamaa irra deddeebi'aa ta'ee, yakkoota dachaatiin balleessaa yoo ta'e, manni murtichaa dursee yakkoota dachaaf adabbii ni murteessa, itti aansuun yakkamaa irra deddeebi'aa ta'uu isaa bu'uura godhachuun adabbicha ni cimsa.
3. Sababoonni adabbii cimsaniifi salphisan addaddaa armaan olitti keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsaman walirra bu'anii kan argaman yoo ta'e, manni murtichaa jalqaba sababoota adabbii cimsan bu'uura godhachuun adabbicha erga cimsee booda, sababoota adabbii salphisan bu'uura godhachuun adabbicha ni hir'isa.

Kutaa Lama
Adabbii Daangessuu
Kutaa Xiqqaa Tokko
Adabbii Daangaan Dhorkuu

Keewwata 190. Qajeeltoo

Sababoota badii sanaaf ka'umsa ta'an hunda ilaaluun, adabbii balleessicha irratti murtaa'e yeroof daangaan akka dhorkamu gochuun amala yakkamtichaa sirreessuufi fooyyessuuf, jireenya hawaasummaa idileetti deebisuuf kan fayyaduu danda'u ta'uu isaa manni murtichaa kan mirkaneesse yoo ta'e; bu'uura tumaalee armaan gadiitiin murteessuu ni danda'a.

Bu'uura tumaalee kanaatiin murtiileen kennaman fedhii sirreeffamuufi gargaarsa yakkamtichaa kan barbaadan waan ta'eef bu'aa gaarii kennuu dhabuun isaanii yoo beekame yeroo kamiyyuu kan haqamanidha.

Keewwata 191. Murtii Adabbiif Yeroo Kennuu, Murtii Balleessummaa Haquu

Yakkamtichi duraan kan hin adabamne ta'ee, amalli isaa balaafamummaa akka hin qabne yoo itti amaname badiin isaa adabbii maallaqaatiin /keewwata 90/, hojii

www.abyssinialaw.com

dirqamaatiin /keewwata 103 fi 104/ yookiin hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen kan adabsiisu yoo ta'e /keewwata 106/, manni murtichaa balleessummaa isaa erga mirkaneessee booda gara fuula duraatti amala isaa sirreeffachuu akka danda'u amantaan irratti gatamuu kan danda'u ta'uu isaafi murtii kana qofaan hanga dhumaatti fooyya'uu kan danda'u ta'uu isaa kan itti amane yoo ta'e, murtii balleessummaa erga kennee booda adabbii osoo hin murteessiin yeroo qormaataa murtaa'e kennuufii ni danda'a.

Qormaatichi bu'aa gaarii kan argamsiise yoo ta'e, murtichi akka hin turretti lakkaa'ama.

Keewwata 192. Adabbiin Akka Hin Raawwatamne Dhorkuu

Balleessichi dursee kan itti murtaa'e ta'us, ta'uu baatus /keewwata 194/, adabbii itti murtaa'e xumuruu isaatiin dura yeroo murtaa'eef adabbichi dhorkameefii amalli isaa yoo qoratame badii lammaffaa raawwachuu irraa kan of qusatu ta'uu isaafi fooyya`insa amala isaatiifis akeekkachiisni cimaan tokko qofti kan gahu ta`uu isaa manni murtichaa kan itti amane yoo ta'e, adabbicha erga murteessee booda, yeroo qormaataa murtaa'e kennuun raawwiin adabbichaa dhorkamee akka turu ajajuu ni danda'a. Manni murtichaa tarkaanfilee eeggannoo murteesse garuu /keewwata 127-159/ hin dhorkuuf.

Qormaatichi bu'aa gaarii kan argamsiise yoo ta'e, balleessichi adabbii itti murtaa'e raawwachuu hin qabu, murtichi garuu galmee yakkamtootaa irratti galmeeffamee bu'aa biroo waliin ni tura.

Keewwata 193. Murtiileen Adabbii Walirra Bu'an Yoo Jiraatan, Raawwii Isaaniif Yeroo Kennuufi Qoqqooduu

Adabbiileen walirra bu'an yommuu jiraatanitti, keessumattuu adabbiileen dabalataa yommuu murtaa'anitti, manni murtichaa nageenyaafi faayidaa waliigalaa hawaasichaaf barbaachisaa ta'ee yoo arge, dhimma dhorkamuu adabbiilee tokko tokkoofi yeroo kennuu dhiisuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 194. Haala Daangaan Adabbii Itti Dhorkamuufi Itti Haqamu

1. Raawwii adabbii daangessuun kan hin danda'amne:
   (a) Tumaaleen irra deddeebi'uu ilaalchisee tumaman akkuma eegamanitti ta'ee /keewwata 67fi 188/ balleessichi kanaan dura adabbii hidhaa cimaa yookiin adabbiin hidhaa salphaa waggaa sadi caalu kan itti murtaa'e yoo ta'eefi ammas yakka ittiin himatameen adabbiilee kana keessaa tokko kan isatti murtaa'u yoo ta'e yookiin,
   (b) kanaan dura kan hin adabamne ta'ee, yakki amma ittiin himatame adabbii hidhaa cimaa waggaa shan caalu kan itti murtaa'u yoo ta'edha.

2. Akkasumas:
   (a) raawwii adabbichaa dhorkuun dura balleessichi yakka biroo raawwatee akka ture yoo irra gahameefi sababuma yakka kanaatiin akaakuufi hammi adabbii itti murtaa'u haala armaan olitti keewwata xiqqaa (1) (a) jalatti tumame kan guutu yoo ta'e; yookiin
   (b) yakkamtichi adabbichi dhorkameefii qormaataaf yeroo gadi lakkifame keessatti itti yaadee yakka tokko kan raawwate yoo ta'e /keewwata 200(2)/; yookiin
   (c) dhimma raawwiin adabbichaa dhorkamuuf irratti yeroon qormaataa kenname bu'aa kan hin argamsiifne ta'uu isaa manni murtichaa yoo hubate,

   murtii adabbii dhorkuu haquu ni danda'a.

Keewwata 195. Qulqulleessuu /Qorannoo/

Manni murtichaa murtichaaf dursee qorannoo gochuun barbaachisaa ta'uu isaa yommuu itti amane hundatti himatamaa murtiin akka dhorkamuuf gaafatu seenaan isaa duraa, amalli isaa duraa, haalli jireenyaafi hojii isaa maal akka ture qorannoon taasifamee odeeffannoon mirkanaa'e akka dhihaatuuf ajajuu qaba.

www.abyssinialaw.com

Odeeffannoon kunis miseensa eegumsaa tokko yookiin hojjetaa hawaasummaa amantaan irratti gatamu yookiin qaama yookiin dhaabbata dhimmichi ilaallatu biroo kamiyyuu irraa dhihaachuu ni danda'a.

Keewwata 196. Tumaalee Waliinii; Yeroo Qormaataaf Kennamu

1. Manni murtichaa akaakuu dhorkaa lamaan keessaa /keewwata 191 fi 192/ tokko yoo filatu sababa isaa murtii keessatti ibsuu qaba.
   Seenaan himatamtichaa durii, adeemsi ilaalchaafi amala isaa yommuu madaalamu yeroo kennuun bu'aa gaarii kan fidu fakkaatee yoo mul'achuu baate manni murtii ajaja dhorkaa kennuu hin danda'u.
2. Manni murtichaa yeroo qormaataa balleessichaaf kennamu kan murteessu cimina yakkichaa, miidhaa irra deddeebiin gochicha yakka geessisuu danda'uufi amantaa balleessicha irratti gatamuu danda'u tilmaama keessa galchuun ta'a.
   Yeroon qormaatichaas waggaa lamaa gadi yookiin waggaa shanii ol ta'uu hin danda'u; kan herreegamus guyyaa murtiin dhumaa itti kenname irraa eegalee ta'a.

Kewwata 197. Haalawwan Qormaanni Itti Kennamu

1. Manni murtichaa adabbiin raawwataa yakkichaa irratti murtaa'e akka irratti hin raawwatamne kan dhorkuuf balleessichi amala gaariin akka qajeelfamu, dirqama akka raawwatu kennameef akka fudhatu, akkasumas karaa danda'ame hundaan miidhaa badii isaatiin geessiseef beenyaa akka kaffalu yookiin, miidhamtichaaf akka kaffaluufi dhimmuma kanaaf yeroo murtaa'e keessatti baasii mana murtichaa akka kaffalu mirkaneessa erga kennee boodadha /keewwata 101/.
2. Manni murtichaa balleessichi raawwii dirqama seeneef wabummaa wal amansisaa tokko akka seenu ni dirqisiisa. Wal amansiisni kunis wabummaa namaatiin yookiin hanga qabeenyaafi maallaqaa qabsiisaatiin manni murtichaa kan murteessu akka haala dubbichaafi hamma dandeettii balleessichaatiin ta'a.

Keewwata 198. Dambii Qajeelfama Amalaa Balleessicha Irratti Murtaa'u

1. Manni murtichaa dambiilee qajeelfama amalaa, eegumsaafi to'annoo barbaachisaa fakkaatanii itti mul'atan murticha keessatti ni murteessa.

www.abyssinialaw.com

Dambiileen kun, keessumattuu barnoota ogummaa tokko barachuu, bakka murtaa'e tokko turuu, dirqama hojjechuu yookiin jiraachuu, namoota tokko tokko waliin akka wal hin qunnamne dhorkamuu yookiin bakkeewwan murtaa'an tokko tokko gahuu irraa dhorkamuu, alkoolii dhuguu irraa dhorkamuu, hojii isaatiin galii argatu irraa hunda yookiin gartokkee maatiisaa, guddistuusaa yookiin bulchaasaatti kennuu, yaala barbaachisaa ta'e raawwachuu yookiin bu'aa yaalichaa milkaa'aa taasisuu kan dandeessisu, dhimmuma kanaaf rogummaa kan qabuufi kan kana fakkaatan dirqama dambii qajeelfamaa biroo raawwachuu kan ilaallatan ta'uu ni danda'u.

2. Dambiileen sirreessa amalaa balleessicha irratti murtaa'an, dandeettiifi fedhii balleessichaa, haala dubbichaafi miidhaa badiin sun geessise bu'uura godhachuun amala balleessichaa fooyyessuun gara galma yaadameen gahuuf kan dandeessisan ta`uu qabu.

   Galmi dambii qajeelfama amalaa, galma murtii dhorkuu irraa adda ta'uufi dirqamoota seerichaa waliin wal hin simne hordofsiisuu hin danda'u.
3. Haalli haaraan yoo mudate yookiin barbaachisaa ta'ee yoo argame, iyyannoo nama murtiin dhorkameefiin, miiltoo isaatiin, guddistuu isaatiin yookiin wabii isaatiin yookiin gaaffii abbaa alangaatiin dambiileen qajeelfama amalaa murtaa'an jijjiiramuu ni danda'u.

Keewwata 199. Balleessicha Irratti To'annoo Taasisuu

1. Manni murtichaa murtiin adabbii balleessaa tokko irratti murtaa'e akka dhorkamu yoo taasisu, balleessichi murtiin dhorkameef, bulchaa, guddistuu, itti gaafatamaa eegumsa fooyya`insa amalaa yookiin miseensa eegumsaa aangoon eegumsaa waliigalaa kennameef tokko jala ta'ee to'annoon akka irratti taasifamu ni ajaja /keewwata 208/.

   Bulchaan yookiin miseensi eegumsaa balleessicha murtiin dhorkameef waliin qunnamtii taasisaa mana isaatti yookiin hojii isaarratti daawwachuuf, yeroo boqonnaa isaas to'achuu, hamma danda'ame hundatti haala jireenyasaa akka sireessuufi amala isaa akka fooyyessuuf gargaarsa qajeelchuu barbaachisaa ta'e taasisuufii qaba.

www.abyssinialaw.com

Bulchaan yookiin miseensi eegumsaa balleessicha murtiin dhorkameef irratti yeroo yerootti dhoksaan to'annoo ni taasisa. Komishinii eegumsa fooyya`insa amalaa dhimmichi ilaallatuuf yoo xiqqaate ji'a sadi sadiin yookiin yeroo barbaachisaa ta'etti gabaasa ni dhiheessa.

2. Caasaafi hojiin komishinootaafi itti gaafatamtoota eegumsa fooyya`insa amalaa seera bahuun ni murtaa'a.

Keewwata 200. Qormaatichi Milkaa'uu Dhabuun Bu'aa Hordofsiisu

1. Balleessichi murtiin dhorkameef yeroo qormaataaf kennameef keessatti dambiilee qajeelcha amalaa dirqamaan akka hordofu kennameef keessaa tokko kan cabse, eegumsa yookiin to'annoo bulchaasaa jalaa miliquuf kan yaale, dagannoon yakka kan raawwate yookiin amantaa itti kenname kan hir'ise yoo ta'e; dagannoon yakka raawwateef himatamuun isaa akkuma eegametti ta'ee, manni murtichaa akeekkachiisa ni kennaaf.

   Barbaachisaa yoo ta'es, karooraafi daangaa seerichaa keessatti akkuma ibsametti, yeroo qormaataa duraan murtaa'ee ture dheeressuuf yookiin dambii qajeelfama amalaa haaraa akka hordofu dirqisiisuun ni danda'ama.

2. Balleessichi akeekkachiisni erga kennameefii booda, amala badaa qabatee yoo itti fufe yookiin yeroo qormaataaf murtaa'e keessatti itti yaadee yakka haaraa yoo raawwate, manni murtichaa ajaja dhorkaa murtichaa jalaa ni haqa. Ta'us yaanni balleessichi dhiheeffatu dursee dhagahamuu qaba.

   Balleessichi yeroo qormaataaf kennameef keessatti itti yaadee yakka haaraa raawwatee kan itti murtaa'e yoo ta'e, ajajni dhorkaa murtii lammata kennamuufii hin danda'u.

3. Yeroo akkanaatti, manni murtii, murtii adabbii dhorkee ture haquun, adabbii murteesse akka raawwatamu ni ajaja; yookiin adabbiin irratti murtaa'ee ture akka raawwatamu ni taasisa.

   Dhorki adabbichaa kan haqamu sababa yakki haaraan itti yaadamee raawwatameen yoo ta'e, tumaaleen yakka irra deddeebii ilaallatan akkuma eegamanitti ta'ee, yakka duraan itti murtaa'eef adabbii murtaa'e yookiin murtaa'u waliin adabbiin yakka haaraa ida'amee raawwatamaa ni ta'a /keewwata 188/.

www.abyssinialaw.com

Kutaa xiqqaa lama

Daangaa Murtaa'een korooraan Gadi Lakkifamuu

Keewwata 201. Qajeeltoo

Seera yakkaa kana keessatti adabbiin bilisummaa dhabsiisuu yookiin tarkaanfiin eeggannoo tumame yommuu murtaa'e hundatti, yeroon raawwii adabbii seeraan murtaa'e yoo gahuufi haalli waliigalaa hundis guutamee yoo argamu, adabamticha korooraaf dursanii gadi lakkisuun ni danda'ama /keewwata 202/.

Korooraaf daangaa murtaa'een gadi lakkifamuun amala adabamtichaa kan fooyyessuufi gara jireenya hawaasaa idileetti kan deebisu ta'ee lakkaa'amuu qaba. Adabamaanis kanaaf kan hin malleefi daangaa murtaa'een gadi lakkifamuun isaa bu'aa barbaadame kan argamsiisu ta'uun isaa yoo itti amaname malee heyyamamuu hin danda'u.

Keewwata 202. Haalawwan Gadi Lakkifamuuf Geessisan

1. Adabamtichi yeroo hidhaa itti murtaa'e harka sadii keessaa harka lama yookiin murtichi adabbii hidhaa umurii guutuu yoo ta'e, waggaa digdama yoo xumure, yaadachiisa qaama dhimmi ilaallatuun yookiin balleessichaatiin manni murtichaa balleessichi korooraan akka gadi lakkifamu murteessuu kan danda'u, balleessichi:
   (a) adabbii bilisummaa dhabsiisu yookiin tarkaanfii eeggannoo barbaachisaa ta'e raawwachaa osoo jiruu, hojii isaafi amala isaatiin fooyya'insa mirkanaa'e kan agarsiise yoo ta'e;
   (b) miidhaa gaheef hamma danda'ametti beenyaa irraa eegamu bu'uura manni murtii murteesseen yookiin waliigaltee miidhamaa waliin taasifameen kaffaluu isaaf mirkaneessa kan dhiheesse yoo ta'ee; fi
   (c) amalliifi ilaalchi isaa jireenya gaarii jiraachuuf kan isa dandeessisuufi korooraan gadi lakkifamuun isaa bu'aa gaarii argamsiisuu ni danda'a jedhamee kan itti amaname yoo ta'edha.
2. Tumaaleen armaan olitti ibsaman jiraataniyyuu, korooraan gadi lakkifamuun yakkamaa irra deddeebi'aa amaleeffataa ta'e irratti raawwatamaa hin ta'an.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 203. Dhimma Korooraan Gadi Lakkifamuu Beeksisuu

1. Balleessicharratti yeroo murtaa'uufi gara dhaabbata itti ergamee yommuu seenu adabbiin itti murtaa'e raawwatamuu isaa dursee korooraan kan gadi lakkifamuu danda'u ta'uu isaa, carraa kana argachuufis dirqama akkamii raawwachuu akka qabu /akka beeku/ ni ibsamaaf.
2. Haalawwan korooraan gadi lakkifamuuf dandeessisan kan guutaman fakkaatanii yommuu mula'atan, qaamni dhimmi ilaallatu hidhamtichi korooraan akka gadi lakkifamu ofiisaa yaada dhiheessuun yookiin iyyannoo hidhamitichi korooraan gadi lakkifamuun qaba jedhee dhiheeffate fuudhee yaada isaa waliin mana murtiitti ni dabarsa.

Keewwata 204. Yeroo Qormaatichaa

Manni murtichaa korooraan akka gadi lakkifamuuf ajaja yoo kennu, battalumatti gadi lakkifamichi korooraan yeroo inni turu ni murteessa. Yeroon korooraa kunis kan turu haala biroon kan ajajame yoo ta'e malee, akka qajeeltootti adabbii yookiin tarkaanfii eegannoo osoo hin raawwatiin hafe hanga raawwatutti ta'a.

Haala kamiiniyyuu hammi yeroo kanaas waggaa lamaa gadi ta'uu, tumaan faallaa ta'e yoo hin jirres waggaa shan caaluu hin danda'u. Balleessaan hidhaa cimaa umurii guutuun itti murtaa'e yoo ta'e garuu yeroon qormaatichaa waggaa shanii gadi ta`uu yookiin waggaa torba caaluu hin danda'u.

Keewwata 205. Dambii Qajeelfama Amalaafi To'annoo

1. Bu'uura tumaalee waliigalaa armaan olitti ibsamaniin, balleessichi gadi lakkifame yeroo qormaataa murtaa'eefitti, dambii qajeelfama amalaa rogummaa qabu /keewwata 198/ akka hordofu itti murtaa'a.

Dambiileen qajeelfama amalaa balleessichi gadi lakkifame hordofuu qabu kan murtaa'an keessumattuu, umuriifi amala hiikamtichaa, erga hiikamee booda carraa yakkaaf saaxilamuun irra gahuu danda'u, amansiisummaa maatii isaa, hojii ogummaafi haala jireenya hawaasummaa isaa bu'uura godhachuun ta'a.

www.abyssinialaw.com

Yoo danda'ames, haalawwan hiikamtichaaf ittiin bulmaata ta'an, adabamtichi osoo gadi hin lakkifamiin dura dhaabbata dhimmi ilaalu yookiin miseensota eegumsaa aangoon bulchiinsaa yookiin guddistummaa kennameefiin yookiin deeggarsa qaama mootummaa rogummaa qabuutiin qophaa'uu qabu.

2. Akka waliigalaatti, haala birootiin kan ajajame yoo ta'e malee namni gadi lakkifamu to'annoofi gaggeessummaa miseensa aangoon eegumsaa kennameef tokko jala akka jiraatu ni taasifama /keewwata 208/. Haalli sirni eeggannoo kun itti raawwatamuu hin dandeenye yoo mudateefi faayidaa kan hin qabne ta'uun isaa yoo beekame, nama gadi lakkifamu irratti raawwatamaa ta'uu dhiisuu ni danda'a.

Keewwata 206. Bu'aa Qormaatichaa

1. Haalli qormaatichaafi ajajni korooraan gadi lakkifamuu haqamuun isaa kan qajeelfamu bu'uura tumaalee waliigalaa armaan olitti ibsamaniin ta'a /keewwata 200/.
2. Ajajni korooraan gadi lakkifamuu yommuu haqamu, balleessichi gadi lakkifamee ture dhaabbata duraan keessa turetti deebi'ee akka galu ni taasifama.
   Yeroon korooraan gadi lakkifamee itti ture, yeroo adabbii yookiin tarkaanfii eegannoo raawwachuu qabu hafe irraa hin herreegamuuf.
   Yakki haaraan gidduutti raawwatameera yoo ta'e, irra deddeebii ilaalchisee kan tumame akkuma eegametti ta'ee /keewwata 67 fi 188/, adabbiin yakkicha haaraaf murtaa'u adabbii hafe waliin walitti ida'amee raawwatamaa ni ta'a.
3. Namni gadi lakkifame yeroo qormaatichaa bu'uura dambii qajeelfama amalaa murteeffameefiin kan xumure yoo ta'e, gadi lakkifamuun isaa hamma dhumaatti ta'ee adabbiin hundumtuu ni hafaaf.

Keewwata 207. Bu'aa Murtii Dhorkaawwaniifi Tarkaanfilee Eeggannoo Biroo

1. Adabbii bilisummaa dhabsiisuu waliin hojii ogummaa hojjechuu irraa dhorkamuu /keewwata 123 (c)/, bakkawwan tokko tokko gahuu yookiin oolanii buluu irraa dhorkamuu yookiin adabbii dabalataa bakka murtaa'e tokkotti dhorkamanii jiraachuu yookiin tarkaanfii eeggannoo biyyaa bahuu /keewwata 145-150/ dabalataan kan murtaa'e yoo ta'eefi dhimmi korooraan gadi lakkifamuu yommuu

www.abyssinialaw.com

mudatu, haala waliigala dubbichaarraa kan ka'e murtichi kan fayyaduufi roga qabeessa ta'ee yoo arge manni murtichaa raawwichi yaaliif akka dhorkamu taasisuu ni danda'a /keewwata 152/.

Murtiin kun kan kennamu, keessumattuu haala sadarkaa fooyya'insaa nama gadi lakkifamuu, amalli balaafamummaa isaa baduu yookiin hir'achuu isaa, dhimma raawwii adabbii dabalataa yookiin tarkaanfii eeggannoo yeroof dhorkuun gara jireenya hawaasummaa idileetti deebisuuf bu'aa gaarii argamsiisuu danda'u madaaluun ta'a.

2. Manni murtichaa kana kan murteessu, qulqulleessa barbaachisaa erga taasisee boodaafi bulchiinsa mana sirreessaafi miseensota eegumsaa dhimmichi ilaallatu irraa yaada erga fudhatee booda ta'a.

   Yeroo kanas, dhimma qormaataaf gadi lakkifamuu irratti dirqama namni gadi lakkifamu sun raawwachuu qabu, kan dhorkamuu qabu yookiin mirkaneessa wabummaa kennuu qabu, to'annoo irratti taasifamuu qabuufi wantoota biroo kana fakkaatan manni murtichaa ni murteessa.

3. Adabamaan korooraan gadi lakkifame yeroo qormaatichaa hunda keessatti, dambii qajeelfama amalaa isaaf murtaa'een gaggeeffamee qeeqni cimaan kan irra hin geenye yoo ta'e, amalli isaas kan fooyya'e fakkaatee yoo mul'ate, badii adabbii bilisummaa dhabsiisuu yookiin biyyaa baasuu hordofsiise lammaffaa akka hin hojjenne ta'uu yoo itti amane, adabbiin yookiin tarkaanfiin eeggannoo dabalataa itti murtaa'ee ture irratti hin raawwatamu.

Kutaa Xiqqaa Sadi
Miseensummaa Eegumsaa

Keewwata 208. Qajeeltoo

Miseensummaa eegumsaa jechuun, sirna adabbiileefi tarkaanfileen eeggannoo raawwii isaanii karaa abbaa taayitaa aangoon miseensummaa eegumsaa kennamuufiin bu'aa akka argamsiisuuf ittiin taasifamudha.

Seerichaan tumamee yommuu argamu hundatti, balleessaan tokko aangoo miseensa eegumsaa jala ta'ee akka eegamu taasifamuu qaba. Akkasumas, yeroo

www.abyssinialaw.com

kamiyyuu yoo ta'e, balleessaan daangaan yookiin adabbii xumuree gadi lakkifame, qajeelcha amala gaarii isaaf miseensa eegumsaa irraa deeggarsaafi gargaarsa gaafachuu ni danda'a. Bu'uura gaaffii isaatiinis jaarmiyaaleen miseensa eegumsichaa balleessichaaf deeggarsa gargaarsaa gochuu qabu.

Keewwata 209. Kaayyoofi Hojii Miseensummaa Eegumsaa

1. Hojiin miseensa eegumsaa inni guddaan, balleessitoonni jireenya hawaasummaa isaan barbaachisu irra deebi'anii akka baratan, yeroo adabbiin isaanii dhorkameefiittis ta'e yeroo korooraan yookiin erga adabbii isaanii xumuranii gadi lakkifamanii booda gara jireenya hawaasummaa idileetti akka deebi'aniifi daddabalanii yakka akka hin raawwanne gorsa kennuu, gara karaa qajeelaatti qajeelchuufi gargaarsa amala gaariifi qabatamaa taasisuudha.

   Jaarmiyaan aangoon miseensummaa eegumsaa kennameef hamma danda'ametti eegamtoota hojii irra oolchuuf, hojii isaaniif kennuu, hojii yookiin mana jireenyaa yookiin gargaarsa akka argatan gargaaruuf, yookiin miindaafi faayidaa hojii isaaniitiin argatan dhimmoota isaanii barbaachisaa ta'aniif akka oolchaniifi walumaagalatti jireenya hawaasummaa idilee isaan ittiin jiraachuu danda'aniif deeggarsaafi gargaarsa kamiiniyyuu ni taasisaaf.

2. Miseensi eegumsichaa yeroo hundumaa to'annoo isaan irratti ni taasisa. Hojiin to'annichaa fooyya`insa isaanii akka hin gufachiifneef dhoksaan raawwatamuu qaba. Barbaachisaa yoo ta'es, mana murtiifi qaamolee dhimmichi ilaallatuuf yeroo yeroon gabaasa ni dhiheessa.

Keewwata 210. Gurmaa'insa

1. Hojiin miseensummaa armaan olitti ibsame kan gaggeeffamu, to'annoo mootummaatiin ta'ee, hojii kanaaf kan hundeeffaman waldaalee ykn gareewwan mootummaa yookiin amala dhuunfaa qabaniin ta'a.
   Hojiin miseensummaa kun nama dhuunfaa amalli isaa qormaataafi itti gaafatamummaa kanaaf gahaa ta`e yeroo yeroon filatamuufis kennamuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Walumaagalatti hojii kana haala biraatiin gaggeessuun hamma danda'ametti, miseensummaan eegumsaa manneen hojii poolisiif hin kennamu.

2. Tarreen raawwii hojichaas, seera akkaataa raawwii adabbiifi dhimmicha ilaallatuuf bahuun ni murtaa'a.

Boqonnaa Lama

Himannaafi Adabbii Addaan Kutuufi Hambisuu

Kutaa Tokko

Himataan yookiin Himatamaan Jiraachuu Dhabuu

Kutaa Xiqqaa Tokko

Himannaan Yakkaa Yookiin Iyyannoon Dhuunfaa Jiraachuu Dhabuu

Keewwata 211. Mirga Iyyata Dhuunfaa Yookiin Himata Yakkaa Dhiheessuu Waliigalatti

1. Seerichaan haala addaan ifatti kan tumame yoo ta'e malee, dhimma kamiyyuurratti murtiin akka kennamuufi adabbiin akka murtaa'u taasisuuf himanni kan dhihaatu abbaa alangaan ta'a.
2. Himanni karaa abbaa alangaatiin dhihaachuunsaa, abbootii taayitaa mootummaa rogummaa qabanitti mirga iyyannoo dhuunfaa yookiin himata yakkaa dhiheeffachuu hin hambisu.

Keewwata 212. Yakkoota Iyyannoo Dhuunfaa Qofaan Adabsiisan

Yakkichi iyyannoo dhuunfaa dhiheeffachuu qofaan kan adabsiisu ta'uunsaa, kutaa addaa seera kanaa yookiin seera yakkaa itti guutii biroon tumamee yommuu argamu, miidhamaa dhunfaan yookiin bakka bu'aa seeraa isaatiin iyyannoon dhuunfaa yoo dhihaate malee himannaa yakkaa dhiheessuun hin danda'amu.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 213. Yeroo Iyyannoon Dhuunfaa Itti Dhihaatu

Iyyannoon dhuunfaa dhihaachuu kan qabu, guyyaa miidhamaan gocha yakkichaa yookiin eenyummaa raawwataa yakkichaa beeke irraa eegalee hanga ji'a sadiitti yeroo jiru keessatti ta'a.

Miidhamtichi iyyannoo dhuunfaa dhiheeffachuu kan dadhabe, sababa gahaa iyyannoo dhuunfaa dhiheeffachuu hin dandeessifneen yoo ta'e malee, yeroon kun yoo darbe iyyannoo dhuunfaa dhiheeffachuu akka hin barbaannetti ni lakkaa'ama. Iyyannicha dhuunfaas fuudhuun hin danda'amu. Iyyaannoo dhuunfaa dhiheeffachuu kan dadhabe sababa gahaan yoo ta'e, yerichi lakkaa'amuu kan eegalu, rakkinni isa mudate guyyaa maqfamee irraa eegalee ta'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Du'uu Himatamaa Yookiin Nama Itti Murtaa'ee

Keewwata 214. Murtiin Dura Himatamaan Du'uu

Himatamaan tokko mana murtiitti himatamuu isaatiin yookiin murtiin kennamuun dura yoo du'e, himannichi dhihaachuu yookiin itti fufuu yookiin murtiin kennamuu hin danda'u.

Keewwata 215. Du'uu Nama Murtiin Itti Murtaa'ee

Balleessichi erga itti murtaa'ee booda yoo du'e, murtiin adabbiifi tarkaanfiin eegumsaa hafaa ni ta'a.

Kutaa Lama

Darbiinsa Yeroo Himannaafi Adabbii

Kutaa Xiqqaa Tokko

Darbiinsa Yeroo Himannaa

www.abyssinialaw.com

Keewwata 216. Qajeeltoofi Bu'aa Isaa

1. Seeraan haala biroon kan tumame yoo ta'e malee, barri darbiinsa yeroo armaan gaditti ibsame erga darbee booda yakka kamiyyuu ilaalchisee iyyannoo dhuunfaa yookiin himannaa yakkaa fuudhuufi dhimmicha abbaa seerummaan ilaaluun hin danda'amu.

   Barri darbiinsa yeroo darbuun, hirmaataa yakkaa kamiifiyyuu adabbii ni hambisa. Yeroon darbiinsa yeroof murtaa'e yoo darbe, murtiin balleessummaa yookiin adabbiin yookiin tarkaanfiin eeggannoo murtaa'uu hin danda'u.
2. Himannichi darbiinsa yeroon dhorkamuusaafi himannicha fuudhuun kan hin malle ta'uusaa himatamtichi kan hin iyyanne yoo ta'ellee, abbaan alangaa yookiin manni murtii yeroo kamiyyuu kaasuu qaba.

Keewwata 217. Darbiinsa Yeroo Himannaa Dhiheessuu Idilee

1. Gocha yakkaatiin darbiinsi yeroo himannaa dhiheessuu kan ragga'u bu'uura armaan gaditti ibsameen ta'a:
   (a) yakka murtii du'aa yookiin hidhaa cimaa umurii guutuu adabsiisuuf waggaa digdamii shan,
   (b) hidhaa cimaa waggaa kudhanii ol, hanga waggaa digdamii shan gahuu danda'u adabsiisuuf waggaa digdama,
   (c) hidhaa cimaa waggaa shanii ol, hanga waggaa kudhanii gahuu danda'u adabsiisuuf waggaa kudha shan,
   (d) yakka hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen adabsiisuuf waggaa kudhan,
   (e) yakka hidhaa salphaa waggaa tokkoo ol adabsiisuuf waggaa shan,
   (f) yakka hidhaa salphaa hanga waggaa tokkootti adabsiisu yookiin adabbii maallaqaa qofaan adabsiisuuf waggaa sadi.
2. Yakkoonni dachaa raawwatamanii yommuu argaman:
   (a) adabbii olaanaan yakkoota sanaa wal fakkaataa yommuu ta'an, barri darbiinsa yeroo yakka isa tokkoo yakkoota hundumaa irratti raawwatamaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

(b) adabbiilee olaanaan yakkoota sanaa addadda yommuu ta'utti, barri darbiinsa yeroo yakka hunda keessaa cimaa ta'ee yakkoota biroo irrattis raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 218. Darbiinsa Yeroo Addaa Iyyannoo Dhuunfaa

Tumaan keewwata 213 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, barri darbiinsa yeroo yakka iyyannoo dhuunfaa qofaan adabsiisu waggaa lamadha.

Keewwata 219. Lakkoofsa Darbiinsa Yeroo

1. Barri darbiinsa yeroo kan herreegamu haalawwan adabbii cimsan yookiin salphisan tilmaama keessa osoo hin galiin adabbii olaanaa kutaa addaa seera kanaa keessatti tumame bu'uura godhachuun ta'a. Yakki raawwatame filannoon yookiin dachaan adabbiilee raawwatiinsa qabaniin kan adabsiisan yoo ta'e, barri darbiinsa yeroo kan herreegamu hunda keessaa yakka cimaa ta'eef adabbii kutaa addaa seera kanaa keessatti tumame bu'uura godhachuun ta'a.
2. Barri darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan eegalu balleessichi guyyaa gocha yakkichaa raawwate irraa eegaleeti.

   Gochi yakkichaa irra deddeebi'amee kan raawwatame yoo ta'e, barri darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan eegalu gochi yakkichaa inni dhumaa guyyaa raawwatame irraa eegaleeti. Akkasumas, gochi yakkichaa yeroo dheeraaf raawwatamaa kan ture yoo ta'e, barri darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan eegalu, gochi yakkichaa guyyaa dhaabbate irraa eegaleeti.

   Yakkichi raawwatameera jechuun kan danda'amu, amaloota isaa keessaa tokko bu'aa yakkichaa kan ta'e yoo ta'e, barri darbiinsa yeroo lakkaa'amuu kan eegalu bu'aan yakkichaa guyyaa argame irraa eegaleeti.

Keewwata 220. Dhorkamuu Bara Darbiinsa Yeroo

1. Seeraan yookiin ijoo dubbiitiin himannaan akka hin jalqabne yookiin akka itti hin fufne wanti gufachiisu hanga jirutti lakkaa'amuun bara darbiinsa yeroo dhorkamee ni tura.

www.abyssinialaw.com

Akkasumas, himannaan dhihaatee dubbichi abbaa seerummaan osoo ilaalamaa jiruu yoo ta'e, yookiin himannaan dhaddacha biraatti dhihaate osoo hin raawwatiin himannaa yakkaa himatamaan ittiin himatame irratti murtii kennuun kan hin malle yoo ta'e, lakkaa'amuun bara darbiinsa yeroo dhorkamee ni tura.

Gufuun sunis akkuma maqfameen barri darbiinsa yeroo battalumatti lakkaa'amuu ni eegala.

2. Himannicha hordofuu ilaalchisee iyyannoo dhiheessuun kan barbaachisu ta'uu isaa seeraan ibsamee yommuu argametti, iyyannoo dhiheessuu dhiisuun lakkaa'amuu darbiinsa yeroo hin dhorku.

   Akkasumas, himannichi akka hin jalqabne yookiin akka itti hin fufne gochi balleessichi fedha isaatiin raawwatu lakkaawamuu darbiinsa yeroo hin dhorku.

Keewwata 221. Addaan Cituu Bara Darbiinsa Yeroo

Haala yakkichaan yookiin yakkamtoota waliin wal qabateen qorannoon akka adeemsifamu, sakatta'iinsi akka taasifamu, waraqaan waamichaa akka kennamu yookiin himannaan akka dhihaatu ajajni kennamu, gochi raawwatamu yookiin murtiin kennamu lakkaawamuu darbiinsa yeroo addaan ni kuta.

Barri darbiinsa yeroo yommuu addaan citu, irra deebiin akka haaraatti lakkaawamuu ni eegala.

Addaan cituun darbiinsa yeroo bu'aa hin jijjiiramne ni qabaata; hirmaattota yakkaa ta'uun isaanii kan beekamanis ta'e kan hin beekamne hundarratti addaan cituun isaa kan ragga'u ta'a.

Keewwata 222. Darbiinsa Yeroo Hin Jijjiiramne

Darbiinsi yeroo himannaa idilee sababa kamiiniyyuu /keewwata 217/ dachaan yeroon isaa yoo darbe yookiin darbiinsa yeroo addaa iyyannoo dhuunfaa yoo ta'e /keewwata 218/, baruma kana keessaa yeroon walakkaa caalu kan darbe yoo ta'e, himannaan yakkicha irratti dhihaatu yookiin hordoffiin taasifamu darbiinsa yeroon hafaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Xiqqaa Lama

Darbiinsa Yeroo Adabbiifi Tarkaanfilee Eeggannoo

Keewwata 223. Qajeeltoofi Bu'aa Isaa

1. Seeraan haala birootiin ifatti kan tumame yoo ta'e malee, adabamticha irratti adabbiin murtaa'e sababa kamiiniyyuu armaan gaditti yeroowwan keewwata 224-228 jalatti ibsaman keessatti osoo hin raawwatamiin kan ture yoo ta'e, mirgi adabbicha raawwachiisuu hafaa ni ta'a; adabbiin yookiin tarkaanfiin eeggannoo murtaa'e raawwatamuu hin danda'u.

   Barri darbiinsa yeroo adabbii muummee raawwatiinsa adabbii dabalataafi tarkaanfilee eeggannoo ni hambisa. Akkasumas, barri darbiinsa yeroo adabbii muummichaa dhaalama qabeenyaa adabbii wajjin walqabataa ta'e irratti raawwatiinsa ni qabaata. Ta'us, tarkaanfileen eeggannoo adabbii muummee malee yommuu murtaa'an tumaaleen keewwata 224 (1) (d) raawwatamaa ni ta'u.
2. Abbootiin taayitaa abbaa seerummaa yookiin bulchiinsaa dhimmichi ilaallatu kaka'umsa ofiisaaniitiin dambii adabbii darbiinsa yeroo kabajanii eeguuf itti gaafatamummaa qabu.
3. Adabbiin murtaa'e sababa dhorkamuu bara darbiinsa yeroon osoo hin raawwatamiin yoo hafellee, galmee yakkamtootaa keessatti akka galmaa'etti ni tura.

Keewwata 224. Bara Darbiinsa Yeroo Adabbii Idilee

1. Barri darbiinsa yeroo adabbiifi tarkaanfilee eeggannoo kan ragga'u haala armaan gadiitiin ta'a;
   (a) murtii du'aaf, yookiin hidhaa cimaa umurii guutuuf waggaa soddoma,
   (b) adabbii bilisummaa dhabsiisuu waggaa kudhanii ol ta'eef waggaa digdama,
   (c) adabbii bilisummaa dhabsiisuu waggaa tokkoo ol ta'eef waggaa kudhan,
   (d) murtii adabbii yookiin tarkaanfii eeggannoo biroo kamiifiyyuu waggaa shan.
2. Adabbiileen dachaa kan murtaa'an yoo ta'e, adabbiileen salphaa ta'an darbiinsa yerootiin hafaa kan ta'an hunduma keessaa adabbiin cimaa ta'e yommuu darbiinsa yerootiin hafaa ta'udha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 225. Akkaataa Lakkoofsa Bara Darbiinsa Yeroo Adabbii

1. Barri darbiinsa yeroo adabbii lakkaawamuu kan eegalu, murtichi murtii dhumaa ta'ee raawwatamuu guyyaa itti danda'u irraa eegalee, yookiin murtichi raawwatamuu eegaleera yoo ta'e, adabamaan murtiin kun akka irratti hin raawwanneef guyyaa miliqe irraa eegalee ta'a.
   Adabamtichi murtiin erga dhorkameefii booda ajajni murtii dhorkuu kan haqame yoo ta'e, yeroon darbiinsa yeroo kan lakkaawwamu raawwiin adabbichaa akka itti fufu guyyaa ajajame irra eegaleeti.
2. Adabbiileen dachaa kan murtaa'an yoo ta'e, lakkoofsa yeroo darbiinsa yeroof bu'uura kan ta'u, darbiinsa yeroo adabbii hundumaarra cimaa ta'edha.

Keewwata 226. Dhorkamuu Darbiinsa Yeroo Adabbiifi Tarkaanfii Eeggannoo

Barri darbiinsa yeroo adabbii dhorkamee kan turu:

(a) raawwii adabbii yookiin tarkaanfilee eeggannoo akka seerichaatti raawwatamuu yookiin raawwiin isaa itti fufuu yommuu hin dandeenyetti hanga gufuun kun turutti;
(b) adabamtichi murtiin dhorkameefii korooraan hiikamee yookiin yeroon kaffaltii idaa kennameeraaf yoo ta'e, yeroon murtaa'e hanga xumuramutti;
(c) adabbii bilisummaa dhabsiisuu yookiin tarkaanfilee eeggannoo biroo raawwachiisuuf hidhamee hanga turuttidha.

Keewwata 227. Addaan Cituu Bara Darbiinsa Yeroo Adabbii

Barri darbiinsa yeroo adabbii kan addaan citu, abbaa taayitaa itti gaafatamummaan raawwachiisuu kennameefiin gochi adabbicha raawwachiisuuf yookiin gara raawwii adabichaatti qajeelchu hojiirra akka oolu guyyaa jalqabame irraa eegaleeti.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 228. Bara Darbiinsa Yeroo Adabbiifi Tarkaanfilee Eeggannoo Hin Jijjiiramnee

Yeroo adabbii idilee seera qabeessaaf /keewwata 224/ yeroon walakkaa caalu yoo darbe, balleessichi yeroo kana keessatti itti yaadee yoo xiqqaate yakka hidhaa cimaan adabsiisu raawwachuun balaafamummaa isaa yoo agarsiise malee, raawwiin murtii adabbii yookiin eeggannoo sababoota kamiiniyyuu yoo ta'e hafaa ni ta'a.

Kutaa Sadi

Dhiifamaafi Baraarsa

Keewwata 229. Dhiifama

1. Seeraan haala biroon yoo tumame malee, adabbiin murtiidhaan murtaa'e qaama aangoon kennamefiin guutummaan yookiin gartokkeen dhiifamaan hafaa ta'uu yookiin akaakuu adabbii salphaa ta'etti jijjiiramuu ni danda'a.
   Sadarkaan cimina isaanii kamiiniyyuu yoo ta'e, adabbiilee muummeenis ta'e yookiin dabalataan raawwatamoo ta'aniifi tarkaanfilee eeggannoof dhiifamni kennamuu ni danda'a.
2. Haalli kenniinsa dhiifamaa seeraan akka tumametti ni ta'a; haalaafi daangaa dhiifama kennamuu ni murteessa.
   Dhiifamni yommuu kennamu murtiin adabamticha irratti murtaa'e bu'aa hordoffiisu waliin galmee yakkamtootaa irratti galmaa'ee ni tura.

Keewwata 230. Baraarsa

1. Seeraan haala birootiin yoo tumame malee, haalonni yommuu qorataman barbaachisummaan tarkaanfichaa kan fayyadu ta'uu isaa yommuu agarsiisan, yakkoota akaakuu tokko ta'aniif yookiin yakkamtoota sadarkaa tokkorratti argamaniif daangaa tokko malee yookiin daangaalee yookiin dirqamoota tokko tokkoon qaama rogummaa qabuun baraarsi waliigalaa kennamuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Haalli kenniinsa baraarsaa akkaataa seeraan tumameen ta'a; seerichi kaayyoo isaa, eenyummaa fayyadamtootaafi daangaa raawwatamiinsa isaa ifatti murteessuu qaba.

2. Baraarsi yeroo kenname irraa eegalee himannaan yakkaa kamiyyuu akka hin jalqabamne yookiin akka itti hin fufne ni dhorka.

   Dhimma baraarsi kenname irratti adabbiin kan murtaa'e yoo ta'e, baraarsichi adabbichaafi bu'aalee yakkaa biroo adabbichi hordofsiisu kamiiniyyuu ni hambisa. Murtiin balleessumaas akka hin turretti lakkaawamee galmee yakkamtootaa irraa ni haqama.

Keewwata 231. Baasiifi Beenyaa Gama Hariiroo Hawaasaatiin Kaffalamu

1. Dhiifamaafi baraarsi gama hariiroo hawaasaatiin waan bade akka turetti deebisuufi miidhaa miidhamaarra ga'eef beenyaafi baasii kaffalamu hin hambisu.
2. Ajaja dhiifamaaf yookiin baraarsaaf kennamu irratti haala adda ta'een yoo ibsame malee mootummaaf kaffalamuu kan qabuufi kasaaraan hin kaffalamne dhiifamaan yookiin baraarsaan ni haqama.

Kutaa Afur

Moggaasuu

Keewwata 232. Qajeeltoo

1. Adabbii itti murtaa'e kan xumure yookiin adabbichi darbiinsa yerootiin yookiin dhiifamaan kan hafeef yookiin murtiin yookiin raawwiin adabbii kan dhorkameef yookiin korooraan kan gadi lakkifame balleessaan kamiyyuu, dirqamoota seeraa kanatti aananii jiran yoo raawwate, adabamuun dura maqaa gaarii inni qabu deebi'eefii akka moggaafamuufi murtiin itti murtaa'e akka haqamu gaafachuu ni danda'a.

   Moggaafamuun kan argamu hojii gaariin malee gaaffii naaf ta'aan miti.

2. Yakkamtichi osoo hin adabamiin dura maqaa gaarii qabutti deebi'ee akka moggaafamu gaaffii dhiheessuuf dandeettii yoo dhabe yookiin kan du'e yoo ta'e,

www.abyssinialaw.com

bakka bu'aan seeraa isaa yookiin firoota isaa dhihoo keessaa tokko gaafficha dhiheessuu ni danda'a.

Keewwata 233. Haalawwan Moggaafamuuf Barbaachisan

Manni murtichaa moggaafamuu kan hayyamu:

(a) adabbichi adabbii cimaa hanga dhumaatti biyyaa bahuu yookiin dhaalamuu qabeenyaa yoo ta'e, guyyaa adabbichi xumurame yookiin darbiinsa yerootiin dhorkamee jalqabee, yookiin adabbichi sababa dhiifamaan haqamuu isaatiin, adabamtichi guyyaa gadi lakkifame irraa eegalee yookiin adabamtichi adabbichi dhorkameefi yookiin korooraan gadi lakkifamee yeroo qormaatasaa nagaan kan xumure yoo ta'e, guyyaa adabbichi dhorkameef yookiin korooraan gadi lakkifame irraa eegalee yoo xiqqaate yeroon waggaa shanii kan darbe yoo ta'e, haala birootiin garuu yeroon darbe yoo xiqqaate waggaa lama yoo ta'e;

(b) adabbiin dabalataa murtaa'e yoo jiraate, adabbiin kunis raawwatameera yoo ta'eefi;

(c) adabamtichi gadi lakkifame hanga dandeettii isaafi haalli yeroo hayyamuufiin ofiisaa ni raawwata jedhamee haala tilmaamamuun beenyaa murtiin itti murtaa'e, kasaaraa abbaa seerummaafi kan biroo kamiiniyyuu haala barbaachisaa ta'een kaffalee kan xumure yoo ta'e;

(d) adabamtichi gadi lakkifame yeroo qubee (a) jalatti ibsame keessatti amala gaariin kan qajeelfame yoo ta'eefi yakka hidhaan adabsiisan kamiiniyyuu balleessaa osoo hin ta'iin yoo turedha.

Armaan olitti qubee (a) jalatti kan ibsame moggaaffamuuf kan geessisu yeroon gabaabaa raawwatiinsa kan qabaatu, seera kana keewwata 67 waa'ee irra daddeebiif daangaa yeroo tumame hanga hin tuqnettidha.

Keewwata 234. Haalawwan Addaa

1. Nama adabbiin darbiinsa yerootiin dhorkameef yoo ta'e, adabbichi osoo raawwatameera ta'ee, yeroon addabichi itti xumuramuu qabu osoo hin darbiin dura ajajni moggaasuu kennamuu hin danda'u.

www.abyssinialaw.com

2. Adabamaan maqaan isaa akka haaromfamuuf gaafatu tajaajila ummataa, loltummaa yookiin hawaasummaan gumaacha addaa galatoomfachiisu taasisee yoo argame, yeroon murtaa'e osoo hin darbiin dura moggaafamuun hayyamamuufii ni danda'a.

Keewwata 235. Bu'aalee Moggaafamuu

Moggaafamuun murtii kan haqu waan ta'eef bu'aalee armaan gadii ni hordofsiisa;

1. Namni adabamee ture guyyaa moggaafame irraa eegalee murtiin mirgaa, gonfaa yookiin dhabiinsa dandeettii itti murtaa'ee ture gara fuula duraatti hafaa ta'eefii dandeettii mirga hawaasummaafi maatii bulchuu, mirga hojii ogummaa hojjechuu deebisee qabachuuf dandeettii ni qabaata.
2. Murtiin adabbichaa galmee yakkamtootaa irraa ni haqamaaf; gara fuula duraattis akka itti hin murtoofnetti ni lakkaa'ama.
3. Diinummaan yookiin sababa biroo kamiiniyyuu yoo ta'e, badii darbe kaasuun qeequun, nama qeequ yakka maqaa balleessuutiin ni adabsiisa; faayidaa ummataaf kan taasifamedha jechuun of irraa ittisuunis hin dandaa'amu.

Keewwata 236. Gaaffii Moggaafamuuf Dhihaatu Fudhachuu Dhiisuufi Gaafficha Irra Deebi'anii Dhiheeffachuu

Gaaffii moggaafamuuf dhihaate gahaa miti jechuun manni murtii osoo hin fudhatiin kan hafe yoo ta'e, waggaan lama osoo hin darbiin irra deebi'uun gaaffii dhiheessuun hin danda'amu.

Keewwata 237. Murtii Kenname Haquu

Akka moggaafamu erga hayyamameefi booda waggaa shan keessatti du'aan yookiin hidhaa cimaan akka adabamu murtiin dhumaa irra deebi'ee yoo itti murtaa'e, moggaasni hayyamameef ni haqama; akkasumas, irra deebi'amee akka moggaafamu hayyamamuufii hin danda'u.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Guddaa Lammaffaa

Kutaa Addaa

Kitaaba Sadaffaa

Yakkoota Faayidaalee Mootummaa, Biyyaafi Addunyaalessaa Irratti Raawwataman

Mata Duree Tokko

Yakkoota Mootummaa Irratti Raawataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Biyyarratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Yakkoota Sirna Heera Mootummaafi Nageenya Keessoo Biyyaa Irratti Raawwataman

Kutaa Xiqqaa Tokko

Yakkoota Heera Mootummaafi Mootummaa Irratti Raawwataman

Keewwata 238. Yakka Heera Mootummaafi Sirna Heera Mootummaa Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu humnaan, doorsisaan, korannaan yookiin karaa seeraan ala ta'e kamiiniyyuu itti yaadee:
   (a) Heera Mootummaa Federaalichaa yookiin kan naannoo kan diige, kan jijjiire, yookiin kan dhorke yoo ta'e; yookiin
   (b) Sirna Heera Mootummaa Federaalichaan yookiin naannootiin hundeeffame kan diige yookiin kan jijjiire yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkichi yommuu raawwatamu nageenya yookiin jireenya ummataarra jeequmsi olaanaan gahe yoo jiraate, raawwatichi hidhaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 239. Hojiirra Oolmaa Aangoo Heera Mootummaatiin Kenname Gufachiisuu

Namni kamiyyuu gocha humnaatiin, doorsisaan yookiin karaa biroo seeraan ala ta'e kamiiniyyuu qaama yookiin abbaa taayitaa aangoon Heera Mootummaa Federaalaan yookiin Naannootiin kennameef hojii isaa akka hin hojjenneef kan gufachiise, kan dhorke yookiin dirqisiisee murtii akka kennu kan taasise yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 240. Meeshaa Waraanaa Qabatanii Finciluun, Yookiin Waraana Sumaansii Kaasuun Mootummaarratti Yakka Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) qaamolee yookiin abbootii taayitaa heera mootummaatiin hundeeffaman irratti ummanni, loltoonni yookiin shiftoonni fincila hidhannoo akka kaasaniif kan gurmeesse yookiin kan qajeelche yoo ta'e; yookiin
   (b) lammiilee yookiin jiraattota biyyaa hidhachiisuun yookiin gareen tokko isa biroo irratti meeshaa waraanaa akka kaasu kakaasuun waraanni sumaansii akka ka'u kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdami shanii gahuu danda'uun ni adabama.
2. Gochichi nageenya yookiin jireenya ummataa irratti jeequmsa olaanaa kan hordofsiise yoo ta'e; hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabsiisa.
3. Namni kamiyyuu fedhii isaatiin haala keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen sochii gurmaa'e yookiin ka'e keessatti kan hirmaate yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa digdamaa gahuu danda'uun ni adabama.
4. Namni gurmeessu yookiin hirmaatu sun lubbuu, bilisummaa, qaama, fayyaa yookiin qabeenya namaarratti miidhaa geessissuun isaa yookiin yakka biraa

www.abyssinialaw.com

raawwachuun isaa yoo irratti mirkanaa'e bu'uura seera yakka kanaaf rogummaa qabuutiin dabalataan itti gaafatamaa ni ta'a.

Keewwata 241. Yakka Tokkummaa Siyaasaafi Daangaa Biyyattii Tuquun Raawwatamu

Namni kamiyyuu humnaan yookiin karaa heera mootummaan walfaallessu biroo kamiiniyyuu, kallattiin yookiin alkallattiin, tokkummaan ummata biyyattii akka diigamu yookiin federeeshinichi akka gargar qoqqoodamu, yookiin daangaa yookiin ummata federeeshinichaa irraa gar tokko akka fottoqu gocha taasisu kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'utti hidhaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 242. Yakka Birmadummaa Daangaa Yookiin Siyaasaa Biyyattii Cabsuun Raawwatamu

Namni kamiyyuu qajeeltoowwan seeraa, dambiilee yookiin waliigalteewwan addunyaalessaa yookiin seera biyyattii cabsuun:

(a) gocha nageenya ummataaf yaaddessaa ta'e raawwachuuf gara daangaa biyyattii kan seene yoo ta'e; yookiin
(b) hojii aangoo Itoophiyaa ta'e keessa, keessumattuu hojimaata hojii qorannoo, sakatta'iinsaa yookiin murtii ta'e keessa seenee, mootummaa yookiin jaarmiyaa biyya alaatiif osoo hojjetuu kan argame yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'utti hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 243. Karaa Seeraan Ala Ta'een Biyyaa Ba'uu, Biyya keessa Seenuu Yookiin Biyyattii Keessa Jiraachuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:

www.abyssinialaw.com

(a) seera mootummichaa darbuun biyyaa kan ba'e, gara daangaa biyyattii kan seene, yookiin biyyattii keessa kan jiraate yoo ta'e; yookiin

(b) gochoota armaan olitti qubee (a) jalatti ibsaman keessaa tokko akka raawwatamu kan taasise yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin yookiin lamaaniinuu ni adabama.

2. Namni kamiyyuu kallattiinis ta'e alkallattiin faayidaa seeraan alaa argachuuf yaaduun nama Itoophiyaa keessa dhaabbiin jiraataa hin taane, yookiin lammummaa Itoophiyaa hin qabne gara biyya biroo akka galu kan taasise yoo ta'e; yookiin seeraan ala gara Itoophiyaa akka seenu kan dandeessisu sanada imalaa yookiin waraqaa eenyummaa waliin dhahame akka qophaa'u kan taasise, kan dhiheesse yookiin qabatee kan argame yoo ta'e; yookiin namni sun sirna seerri gaafatu osoo hin guutiin Itoophiyaa keessa akka turuuf gocha kamiiniyyuu kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahuun ni adabama.

3. Yakka keewwata kana keewwata xiqqaa (2) darbuun raawwatameen lubbuun yookiin nageenyi baqataa balaa irra kan bu'e yoo ta'e, yookiin haala qabiinsa alnamoomaafi garajabina ta'eef kan saaxilame yoo ta'e, namni yakkicha raawwate hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuun ni adabama.

4. Gochoota keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (a) jalatti tarreeffaman keessaa tokko akka raawwatamu kan gargaare jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef yoo ta'e; bu'uura seera kana keewwata 90 tiin ni adabama.

5. Gochichi gocha dambii darbuu ifa ta'e yommuu ta'u, seerri dhimma kanaaf tumame raawwatamaa ni ta'a.

Kutaa xiqqaa Lama

Biyya Sarbuu

Keewwata 244. Mootummaa Biyyattii, Akkasumas Mallattoolee Biyyattiifi Mallattoolee Mootummaan Beekaman Biroo Sarbuu

1. Namni kamiyyuu jechaan yookiin gochaan yookiin haala biroo kamiiniyyuu ifatti mootummaa biyyattii kan salphise, arrabse, maqaa isaa balleesse yookiin sobaan kan yakke yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shanii gadi hin taaneen ni adabama.

Gochi maqaa balleessuu, sobaan yakkuu, salphisuu yookiin arrabsuu rawwatameera kan jedhamu bu'uura keewwata 613 fi 615 tiin ta'a.

2. Namni kamiyyuu dabaan, tuffiin yookiin yaadota kana fakkaatan kamiiniyyuu ifatti kan beekame mallattoo biyyaa jechuunis alaabaa yookiin asxaa Mootummaa Federaalawaa Itoophiyaa akkasumas, alaabaa yookiin asxaa Mootummaa Naannoo ifatti kan tarsaase, kan gube, kan balleesse, kan sarbe, kan mancaase, kan arrabse yookiin haala biroo kamiiniyyuu kan salphise yoo ta'e, hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 245. Mallattoolee Beekamootti Seeraan Ala Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu dhimma tajaajila kamiifiyyuu yoo ta'e, alaabaawwan yookiin mallattoolee seera kana keewwata 244 jalatti ibsamanitti seeraan kan hayyamamuun alatti kan itti tajaajilame yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Kutaa Lama

Yakkoota Nageenya Alaafi Humna Ittisaa Mootummaa Irratti Raawwataman

Keewwata 246. Yakka Bilisummaa Biyyaa Irratti Raawwatamu

Namni Kamiyyuu:

(a) bilisummaa biyyattii balaarra buusuuf yookiin biyyattiin birmadummaa ishee akka dhabdu;

(b) bilisummaa biyyattii balaa irra buusuuf mootummaan biyya alaa gidduu akka seenu jajjabeessuuf; yookiin

(c) mootummaan biyya alaa gocha diinummaa biyyattii irratti akka raawwatu yookiin biyyattiin mootummaa biyya alaa waliin akka wal waraantu yookiin gochi diinummaa akka ishee irratti raawwatamu, diinaan

www.abyssinialaw.com

akka marfamtu yookiin akka qabamtu, yaaduun gocha kamiiyyuu kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun yookiin dubbichi cimaa yommuu ta'u, hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 247. Humna Ittisa Biyyaa Miidhuu

Namni kamiyyuu itti yaadee:

(a) uumamaan amala raayyaaf ooluu kan qaban yookiin ittisa biyyaatiif akka ta'an kan karoorfaman, jaarmiyaalee dinagdee, dhaabbata yookiin bakka hojii ittisa biyyaa, mala walqunnamtii yookiin geejjiba, hojii, mankuusa, meeshaa yookiin mi'a waraanaa kamiyyuu seeraan ala dabarsee kennuun, diiguun, hojii dabaa raawwachuun yookiin tajaajilaaf akka hin oolle taasisuun;

(b) mootummaa biyya alaa diina ta'eef loltoota dhiheessuun, yookiin lammiileen Itoophiyaa biyya diinaa kanaaf loltummaan akka tajaajilan filuun yookiin sossobuun, yookiin ofumaaf lammii Itoophiyaa ta'ee mootummaa biyya diinaa kanaaf hiriiruun;

(c) loltuun waraanaa tajaajila loltummaa raawwachuu akka didu, fincila loltummaa akka kaasu, yookiin akka ganu, ifatti kakaasuun, yookiin nama dirqama loltummaa qabu yakkoota kana keessaa tokko akka raawwatu jajjabeessuun yookiin akka kaka'u taasisuun; yookiin

(d) tarkaanfilee eeggannoo loltummaa ittisa biyyaatiif tajaajilan gufachiisuun, mancaasuun yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu gocha jal'inaa raawwachuun, humna ittisaa Itoophiyaa irra miidhaa kan geessise yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun yookiiin dubbichi baay'ee ulfaataa yommuu ta'e, keessumattuu yeroo waraanaa yookiin waraanni yaaddessaa ta'etti yoo ta'e hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 248. Ganiinsa Olaanaa

Namni lammii Itoophiyaa ta'e yookiin faayidaa biyyoolessaa Itoophiyaa akka kabachiisuuf ifatti imaanaan itti kenname:

(a) meeshaa waraanaa qabachuun yookiin gocha lolaan Itoophiyaa kan morme yoo ta'e;
(b) humna Itoophiyaa waliin wal waraanu waliin yookiin nama yookiin jaarmiyaa faayidaa humna kanaatiif hojjetu waliin waliigaluun yookiin, iccitiin walqunnamuun humni kun akka isaaf mijaa'uufi akka milkaa'uuf haala kamiiniyyuu kan gargaare yoo ta'e; yookiin
(c) mi'oota, meeshaalee waraanaa, pilaanota, barreeffamoota ragaa ta'an yookiin wantoota tajaajila ittisa biyyaaf oolan kamiyyuu kallattiin yookiin alkallattiin diinaaf dabarsee kennuun yookiin tajaajilaafi meeshaalee kana fakkaatan dinaaf dhiheessuun diina kan deeggere yoo ta'e;

Hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta`u hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 249. Ganuu

1. Namni lammii Itoophiyaa ta'e yookiin faayidaa Itoophiyaa akka eegsisuuf imaanaan ifatti itti kenname kamiyyuu itti yaadee:
   (a) iccitii faayidaa Itoophiyaa eegsisuuf iccitiin akka eegamuufi akka hin ibsamne taasifame, sanada, dhimma ergamtummaa yookiin murtii tokko ummataaf yookiin mootummaa biyya alaaf, jaarmiyaa siyaasaaf, jaarmiyaa biroo yookiin bakka bu'aa isaatiif kan ibse, dabarsee kan kenne, oduu isaa kan dabarse, yookiin ifatti akka himamu kan taasise yoo ta'e;
   (b) bakka bu'aa yookiin ergamaa mootummaa Itoophiyaa ta'ee, dhimma mootummaa biyya alaa waliin akka raawwatuuf ergame yookiin faayidaa Itoophiyaatiif falmuufi raawwachuu qabu haala ifa ta'een akka gufatu kan taasise yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(c) sanadoota, barreeffamoota, yookiin ragoota nageenyaa, bilisummaafi faayidoota gurguddoo Itoophiyaa ilaallatan kan balleesse, kan mancaase, kan dhokse, akka badan kan taasise, yookiin gara sobaatti kan jijjiire yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

2. Gochaan isaa jiraachuu yookiin bilisummaa Itoophiyaa kallattiin balaa cimaa irra kan buusu yoo ta'e, manni murtichaa hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'u murteessuu ni danda'a.
3. Balleessichi yakkicha kan raawwate dagannoon yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taane ta'ee akkuma cimina dubbichaatti hanga hidhaa cimaa waggaa shaniitti ol ka'uu ni danda'a.

Keewwata 250. Ganiinsa Dinagdee

1. Namni lammii Itoophiyaa ta'e, yookiin faayidaa Itoophiyaa akka kabachiisuuf ifatti imaanaan itti kenname kamiyyuu itti yaadee:
   (a) faayidaa olaanaa Itoophiyaa yookiin humna ittisaaf jecha iccitiin kan eegamuufi amala dinagdummaa kan qabu wal qunnamtii ergaa, murtii, waan hojjetame yookiin sanada ummataaf yookiin nama biyya alaaf kan ibse, dabarsee kan kenne, qabiyyee isaa kan dabarse, yookiin isaanumti kun akka argatan kan taasise yoo ta'e;
   (b) mi'oota, meeshaalee yookiin wantoota biroo kana fakkaatan akka eeguuf itti gaafatamummaan itti kennaman kan ibse yookiin dabarsee kan kenne yoo ta'e; yookiin
   (c) dhimma liqii mootummaan Itoophiyaa waliin wal waraanu baase irratti kan hirmaate yookiin maallaqa yookiin qabeenya liqichaaf oolu kan buuse yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama. Dubbichi yommuu ulfaataa ta'etti hidhaa cimaan kun hanga waggaa digdamaa gahuu ni danda'a.
2. Balleessichi yakkicha kan raawwate dagannoon yoo ta'e, hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 251. Diinaan Waliigaluu

Namni lammii Itoophiyaa ta'e yookiin faayidaa biyyoolessaa Itoophiyaa akka kabachiisuuf ifatti imaanaan itti kenname kamiyyuu, Itoophiyaan waraana irratti yommuu argamtu yookiin daangaan ishee hundi yookiin gartokkeen diinaan yeroo weeraramettti, kaayyoo diinaa milkeessuuf yaaduun gorsaanis ta'e gochaan diina kan deeggare yoo ta'e; keessumattuu:

(a) maqaa diinaatiin hojii siviilii yookiin bulchiinsaa kutaalee seera hiiktuu, poolisiitti, mana hiidhaatti, eegumsatti, geejjibaatti yookiin kanneen kana fakkaatan birootti kan raawwate; yookiin
(b) to'annoo diinaa jalaa miliquuf kan barbaadan loltoota garee biyyaa yookiin baqattoota diinaaf kan saaxile yookiin dabarsee kan kenne; yookiin
(c) hojii ololaa, maxxansaa yookiin mala walqunnamtii biroo faayidaa diinaa yookiin weerartootaa tarkaanfachiisu keessatti kan hirmaate; yookiin
(d) Kallattiin yookiin alkallattiin dhimma dinagdee irratti kan waliin hojjete yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalleen yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 252. Basaasa

1. Namni kamiyyuu mootummaa biyya alaa tokkoof yookiin jaarmiyaa siyaasaa biyya alaa tokkoof yookiin faayidaa jaarmiyaa biyya alaa biroo kamiifuu jecha Itoophiyaa irratti, jaarmiyaalee ishee irratti, dhaabbilee ishee irratti yookiin lammiilee ishee irratti miidhaa haala geessisuun;
   (a) tajaajila siyaasaa, dippiloomaasii, kan loltuu yookiin kan dinagdee kan gurmeesse, hojii kanarratti hirmaataa kan ta'e yookiin kan deeggare yookiin tajaajila kanaaf nama biroo kan file yookiin kan mindeesse yoo ta'e; yookiin
   (b) odeeffannoo basaasa kanaaf tajaajilu kan walitti qabe, kan dabarse yookiin akka argamu kan taasise yookiin odeeffannoo iccitiin eegameefi ummata biratti ifatti hin beekamne manneen hojii mootummaan yookiin dhuunfaan

www.abyssinialaw.com

dhaabbataniif yookiin bakka bu'oota isaaniif akka ibsamu kan taasise yoo ta'e;

basaasni kun kan raawwatame faayidaa mootummaa yookiin ummataa irratti haala miidhaa fiduun yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama. Basaasni kun miidhaa kan geessise nama dhuunfaa yookiin waldaa dhuunfaa irratti yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabsiisa.

2. Basaasni kun tasgabbii keessaafi alaa mootummaa kallattiin miidhuuf kan taasifame yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalle ni ta'a. Dubbichi cimaa yoo ta'eefi keessumattuu yeroo waraanaa yookiin waraanni yaaddessutti, yookiin baasasni siyaasaa, dippiloomaasii, yookiin loltuu kan taasifame yoo ta'e; manni murtichaa hidhaa cimaa umurii guutuu murteessuu ni danda'a. Basaasni kun kan taasifame jiraachuun Itoophiyaa haala yaaddessaa irra yeroo jirutti yoo ta'e adabbii du'aa ni murteessa.

Keewwata 253. Tumaaleen Kutaa Kanaa Mootummoota Waraanaaf Walta'aniifis Raawwatamaa Ta'uu Isaanii

Yakkoota kutaa kana keessatti tumaman keessaa tokko mootummoota mootummaa Itoophiyaa waliin waraanaaf walta'an yookiin wal gargaaran irratti miidhaa qaqqabsiisuuf kan taasifame yoo ta'e, adabbiileen kutaa kana keessatti tumaman ni raawwatamu. Kunis kan raawwatamu mootummaa seera kana fakkaatu qabuuf ta'a.

Kutaa Sadi

Tumaalee Waliinii

Keewwata 254. Alkallattiin Gargaaruufi Jajjabeessuu

1. Namni kamiyyuu sirna heera mootummaa biyyattii, birmadummaa siyaasaafi daangaa, humna ittisaa yookiin nageenya keessaafi alaa irratti yakki kan raawwatame yookiin raawwatamuuf kan yaalame ta'uu isaa yookiin yakki akka raawwatamu hojiin qophaa'uu raawwatamuu isaa osoo beekuu abbaa taayitaatti osoo hin beeksisiin kan hafe yookiin balaan akka hin geenye yookiin raawwatichi

www.abyssinialaw.com

akka qabamu waan danda'amu kan hin raawwanne yoo ta'e; sababa humnaa ol ta'een yookiin sababa ifa ta'een beeksisuuf dadhabuu isaa yoo ibse malee; hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame nageenyi keessaafi alaa biyyattii haala yaaddessaa irra yeroo jirutti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalledha.
3. Haalawwan kun yommuu mudatanitti raawwatichi dirqama abbaa taayitaatti beeksisuuf qabu jalaa miliquuf jecha, iccitii hojii yookiin ogummaa isaa sababa godhachu hin danda'u.
4. Hariiroon michummaa cimaa yookiin firummaa inni balleessicha waliin qabu dhimmoota armaan olitti tuqamaniif sababa ittisaa ta'uu hin danda'u /keewwata 83/.

Keewwata 255. Hojii Yakkaaf Kakaasuufi Miiltummaa, Yaalii Kakaasuufi Miiltummaa

Yakkoota keewwata 238 hanga 242 , keewwata 246 hanga 252 tti armaan olitt ibsaman keessaa tokko osoo hin yaalamiin yeroo hafetti hojiin yaalii kakaasuu yakkaa yakkichi akka raawwatamu taasifame /keewwata 36(2)/, miiltummaa /keewwata 37(3)/, yaalii miiltummaa yookiin kakaasuu /keewwata 27(2)/;

hidhaa salphaa ji'a tokkoo hanga waggaa shanii gahuu danda'uun; yookiin keessumattuu gochi kun balaa inni geessisuu danda'u baay'ee cimaa yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabsiisa.

Keewwata 256. Gochoota Dabaa Akaakuu Qabatamaa Ta'een Qopheessuu

Namni kamiyyuu, yakkoota armaan olitti keewwattoota 238 hanga 242, keewwata 246 hanga 252 jalatti tumaman keessaa yakka tokko raawwachuuf:

(a) loltoota, riphee loltoota, shiftoota yookiin bitamtoota kan file, kan gurmeesse yookiin gara biyya keessaa kan galche yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) meeshaalee waraanaa, rasaasota, galaa, maallaqa yookiin wantoota qabatamaa kanneen fakkaatan kan qopheesse, kan kuuse yookiin gara biyya keessaatti kan galche yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 257. Tuttuquufi Gocha Qopheessuu Qabatamaa Hin Taane

Namni kamiyyuu yakkoota armaan olitti keewwata 238 hanga 242, keewwata 246 hanga 252 jalatti tumaman keessaa tokko akka raawwatamu taasisuuf yookiin deeggaruuf:

(a) haasawaan, fakkiin yookiin barreeffamaan ifatti kan kakaase yoo ta'e; yookiin
(b) shiftoonni biyya keessatti yookiin biyya alaatti akka gurmaa'an kan korate, karoora kan baase yookiin kan tuttuqe yoo ta'e; yookiin
(c) garee shiftaa kana fakkaatan keessa kan seene, karooricha irrattis kan waliigale, Yookiin ajaja isaas kan hordofe yoo ta'e; yookiin
(d) mootummoota, jaarmiyaa siyaasaa yookiin kan biroo biyya alaa yookiin bakka bu'oota isaanii waliin hariiroo kan uume yookiin walitti dhufeenya iccitiin kan deeggare yoo ta'e; yookiin
(e) hamilee ummataa gadi buusuufi amantaa isaa yookiin dandeettii dandamachuu isaa diiguuf karoorsuun, mala qindaa'een wanta sirrii hin taane, jibbaan kan guutame yookiin ejjennoo jiru kan diigu odeeffannoon, haasawaan, barreeffamaan yookiin fakkiin kan tamsaase yookiin kan beeksise yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin balaan gochi kun silaa qaqqabsiisuu danda'u keessumattuu baay'ee olaanaa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 258. Haala Cimaa

Boqonnaa kana keessatti yakkichi hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan akka adabsiisu haalawwan seerichi tume hundatti, manni murtichaa adabbii du'aa kan murteessu:

(a) yakkichi kan raawwatame biyya irratti jeequmsi yommuu gahetti yoo ta'e yookiin jeequmsi yookiin lolli sumaansii kun yookiin waraanni biyya alaa wajjin taasifamu yommuu yaaddessutti, yookiin giddu seentummaan mootummaa biyya alaa yommuu jiraatutti, yookiin sababa jeeqamuu tasgabbiin labsiin yeroo ariifachiisaa ragga'ee yommuu jirutti yookiin haalawwan addaa jiraachuun isaanii ifatti yommuu himametti yoo ta'e; yookiin

(b) gochoonni kunneen kan karoorfamaniifi raawwataman korannaa irraa kan ka'een yoo ta'e yookiin gartuulee meeshaa waraanaa hidhataniin yoo ta'e; yookiin

(c) yakkamtichi qabeenya, meeshaa waraanaa yookiin gargaarsa yookiin deeggarsa haala kamiiniyyuu biyya alaa yookiin jaarmiyaa siyaasaa yookiin kan biroo mootummaa biyya alaa irraa argatuun yakkicha kan raawwate yoo ta'e; yookiin

(d) boombiin, dimaamitiin yookiin meeshaa dhowuun yookiin, meeshaa shororkeessaa namoota hedduu irratti balaa geessisuu danda'uun yookiin mala kana fakkaatu biroo kamiiniyyuu yakkicha raawwateera yoo ta'edha.

Keewwata 259. Adabbiilee Dabalataafi Tarkaanfilee Eeggannoo

1. Boqonnaa kana keessatti kan tumame yakki hidhaa cimaan adabsiisu kamiyyuu kan raawwatame nama muudame yookiin aangoon gaggeessuumaa kennameefiin yookiin faayidaa dhuunfaa argachuu barbaaduun yoo ta'e; manni murtichaa adabbii kana waliin adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caallee murteessuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

2. Balleessaan lammii biyya alaa ta'e hidhaa cimaa waggaa shanii yookiin isaa ol ta'e yoo itti murtaa'e; adabbicha erga xumuree booda biyyaa akka bahu itti ni murtaa'a.
3. Yakki ganuu, basaasaa yookiin iccitii dabarsanii kennuu raawwatamee yommuu argamu hunda meeshaaleen, mi'oonni, xalayaaleen ergaa, yookiin ragoonni raawwannaa yakkichaaf ta'an hundi ni dhaalamu.

Keewwata 260. Qabeenya Dhaaluu

Lammiin Itoophiyaa yookiin namni faayidaa biyyoolessaa Itoophiyaa akka kabachiisuuf ifatti imaanaan itti kenname kamiyyuu yakkoota seera kana keewwata 238,240 fi 241, 246 hanga 251 fi 252 (2) jalatti tumaman keessaa tokko raawwachuun balleessaa ta'ee kan itti murtaa'e yoo ta'e, manni murtichaa adabbii muummee murteessu waliin qabeenyi nama itti murtaa'ee bu'uura seeraatiin akka dhaalamu ajajuu ni danda'a /keewwata 98/.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Mootummaa Biyya Alaarratti Raawwataman

Keewwata 261. Gocha Mormii Mootummaa Biyya Alaarratti Raawwatamu

Namni kamiyyuu daangaa Mootummaa Itoophiyaa keessa taa'ee hariiroo Mootummaan Itoophiyaa mootummaa biyya alaa waliin qabu haala balleessuu danda'uun:

(a) gocha dabaan, sobaan yakkuun, olola jibbaan yookiin humnaan hojiin siyaasaa yookiin tasgabbiin keessoo mootummaa biyya alaa akka jeeqamu kan taasise yoo ta'e; yookiin
(b) waraana mootummoonni biyya alaa wal waraanan keessa Itoophiyaan kan hin seenne ta'uu ishee Gaazexaa Nagaaritaa Federaalaarratti haala ifa ta'een kan labsame yookiin tumaa murtii akaakuu biroon mootummaan ibsame kan cabse yoo ta'e; yookiin
(c) mootummaa biyya alaa waraanarra jirurratti gocha diinummaa kan kakaase, akka raawwatamu kan waliigale yookiin kan jajjabeesse yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

Yoo xiqqaate hidhaa salphaa ji'a sadiin, yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 262. Yakka Gaggeessitoota, Ergamtoota Mootummoota Biyya Alaafi Namoota Biroo Seera Addunyaalessaan Eegumsa Argatan Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu, daangaa mootummaa Itoophiyaa keessatti bilisummaa yookiin nageenya duree biyyaa, gaggeessaa mootummaa, ministeera dhimma alaa, ergamaa yookiin maatii isaa yookiin hordofaa isaa yookiin bakka bu'aa jaarmiyaa addunyaalessaa yookiin qaama nama eegumsa addunyaalessaa argate biroo biyya tokkoo irratti miidhaa kan geessise yookiin balaa kan buuse yookiin dhaabbata keessatti hojjetu, mana dhuunfaa isaa yookiin konkolaataa isaa irratti balaa kan geessise yookiin gochoota armaan olitti ibsaman raawwachuuf kan dhaadate yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi yommuu raawwatamu namoota keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman keessaa lubbuun nama tokkoo kan darbe yoo ta'e, tumaalee ajjeechaa namaa ilaalchisanii tumaman keessaa rogummaa kan qaban raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 263 Daangaa Mootummaa Biyya Alaa Cabsuu

Namni kamiyyuu seera addunyaalessaa darbuun, gocha seeraan alaa raawwachuuf, jeequmsa kaasuuf yookiin gocha balaafamaa ta'e raawwachuuf jecha:

(a) daangaa mootummaa biyya alaa keessa kan seene yoo ta'e; yookiin

(b) daangaa mootummaa kanaa keessa taa'ee gocha daangaa aangoo mootummicha keessa jiru garmalee kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'u, hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 264. Mootummoota Biyya Alaa Salphisuu

1. Namni kamiyyuu mootummaa biyya alaa tokko kallattiin yookiin gaggeessaa isaa yookiin miseensa dippiloomaatii mootummaa biyya alaa kana, itti waamamaa yookiin ergamaa kan ta'e kan Itoophiyaa keessatti argamu, ifatti haasaan yookiin gochaan yookiin haala biroo kamiiniyyuu kan salphise, kan arrabse, maqaa kan xureesse, yookiin sobaan kan yakke yoo ta'e;
   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Dubbichi ulfaataa yommuu ta'utti, keessumattuu gocha sobaan yakkuu yoo ta'u, hidhichi yoo xiqqaate ji'a sadii ni ta'a.

Keewwata 265. Mallattoolee Biyya Alaa Beekamoo Salphisuu

Namni kamiyyuu mallattoolee birmadummaa beekamoo mootummaa biyya alaa hariiroo nageenyaa mootummaa Itoophiyaa waliin qabu, keessumattuu faajjii yookiin alaabaa bakka bu'aan mootummaa kanaa fannisu miira lolaatiin, yaada jibbiinsaan, tuffiin yookiin miira kana fakkaatu kamiiniyyuu kan tarsaase, kan gube, kan balleesse, kan mancaase, kan arrabse yookiin haala biroo kamiiniyyuu kan salphise yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 266. Jaarmiyaalee Mootummoota Gidduutti Hundeeffaman Salphisuu

Namni kamiyyuu jaarmiyaa yookiin dhaabbata mootummoota gidduutti hundeeffameefi Itoophiyaan miseensa taate bakka bu'aa isaa yookiin mallattoo isaa beekamaa ifatti kan salphise yoo ta'e, seera kana keewwata 265 jalatti adabbii tumameen ni adabama.

Keewwata 267. Haala Dugda Baasuu

Boqonnaa kana keessatti yakkoota mootummoota biyya alaa irratti raawwataman ilaalchisee kan tumaman hundi isaanii raawwatamoo kan ta'an, mootummoota seerota isaanitiin Itoophiyaaf eegumsa wal fakkaataa kennan qofaafidha.

www.abyssinialaw.com

Tumaan armaan olitti ibsame jiraatuyyuu keewwata 253 jalatti kan tumame akkuma eegamettidha.

Keewwata 268. Akkaataa Dhiheessa Himannaa

Yakkoota boqonnaa kana keessatti ibsamaniif himanni kan dhihaatu, mootummaan yookiin jaarmiyaan miidhame jedhu yakkamtichi akka adabamuuf yoo gaafatuufi Ministeerri Haqaa Federaalaa yookiin Abbaan Alangaa Muummee yoo hayyame qofaadha.

Mata Duree Lama

Yakkoota Seerota Addunyaalessaa Darbuun Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Bu'uuraa

Keewwata 269. Sanyii Balleessuu

Namni kamiyyuu yeroo nagaas ta'e yeroo waraanaatti sabaan, sablammiin, gosaan, sanyiin, lammummaan, bifaan, amantiin yookiin siyaasaan garee tokko ta'e guutummaan yookiin gartokkeen balleessuuf yaaduun gocha badichaa gurmeessuun, ajaja kennuun, yookiin gochicha raawwachuun:

(a) haala kamiiniyyuu miseensota hawaasichaa kan ajjeese, fayyummaa qaamaa yookiin sammuu kan miidhe yookiin miidhaa qaamaa kan geessise yookiin kan balleesse yoo ta'e; yookiin

(b) miseensonni hawaasichaa sanyiin akka wal hin horre yookiin lubbuun akka hin jiraanne taasisuuf mala kamiyyuu hojiirra kan oolche yoo ta'e; yookiin

(c) miseensota yookiin daa'imman hawaasichaa dirqamaan bakka tokko irraa bakka biraatti kan jijjiire yookiin kan bittinse yookiin haala jireenyaa isaan ittiin du'uu yookiin ittiin baduu danda'aniin akka jiraatan kan taasise yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 270. Yakka Waraanaa Ummata Nagaa Irratti Raawwatamu

Namni kamiyyuu yeroo waraanaa, walitti bu'iinsa waraanaa, yookiin weerara diinaatti tumaalee seera addunyaalessaafi tumaalee seerota namoomaa addunyaalessaa darbuun ummata nagaa irra miidhaa geessisuuf gurmeessuun, ajajuun yookiin gochicha raawwachuun, yookiin karaa biroo kamiiniyyuu:

(a) nama kan ajjeese, kan gidirse, haala alnamooma ta'een kan dhamaase, yaalii xiinlubbummaa kan taasise gochoota biroo qaama namaa, sammuu, yookiin fayyaa irratti gidiraa yookiin miidhaa cimaa geessisuu danda'an kan raawwate yoo ta'e; yookiin

(b) maallaqni akka gatii hin arganneef gatii isaa gadi buusuun kasaarsuu, maallaqa sobaa maxxansuun yookiin karoora qindaa'een maallaqa gatii dhabsiisuun yookiin haala kamiiniyyuu itti yaadee ummata beelaaf kan saaxile, rakkoo irra kan buuse yookiin walumaagalatti jireenya ummataa kan jeeqe yoo ta'e; yookiin

(c) humnaan ummanni bakka isaa irraa akka buqqa'u yookiin akka bittinnaa'u kan taasise, karoora qindaa'een biyyaa kan baase, yookiin bakka to'atamanii itti turan yookiin bakka hojii dirqamaa itti hojjetan tokkotti erguun akka hidhamu kan taasise yoo ta'e; yookiin

(d) tajaajila basaasaa, hojii humna ittisaa yookiin hojii bulchiinsaa diinaa keessatti filatamee akka tajaajilu kan dirqisiise yoo ta'e; yookiin

(e) dirqamaan lammummaa isaa akka dhabu yookiin amantii isaa akka jijjiiru kan taasise yoo ta'e; yookiin

(f) gocha gumnummaa, gocha addaggummaa yookiin gochi humnaan gudeeduu akka raawwatamu kan dirqisiise yoo ta'e; yookiin

(g) gocha sodaachisuu yookiin shororkeessuu kan raawwate, furiif kan uggure, yookiin adabbii jilmaa kan adabe, yookiin gocha haaloo ba'uu kan raawwate yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(h) qabeenya kan dhaale, kan barbadeesse yookiin kan ofii kan taasise, gibira yookiin ashuura seeraan alaa yookiin hin malle kan itti mure yoo ta'e, yookiin tajaajila loltummaaf baay'ee barbaachisaa ta'een ol ashuuraafi gibirri akka kaffalamu kan taasise yoo ta'e; yookiin

(i) nyaata, iddoowwan qonnaa oomisha nyaataaf oolan, midhaan, beelladoota, tajaajiloota bishaan dhugaatii, hojiilee jal'isii, dhaabbilee fayyaa, yookiin manneen barnootaa kan dhaale, kan diige, kan balleesse, faayidaan ala akka ta'an kan taasise yookiin kan ofiisaa akka ta'u kan taasise yoo ta'e; yookiin

(j) siidaalee seena qabeessa, hojiilee artii yookiin iddoolee waaqeffannaa kan barbadeesse, kan fudhate, faayidaan ala kan taasise, kan ofii kan taasise yookiin isaan kana irratti gocha humnaa kan raawwate, yookiin wantoota kana kaayyoo loltummaaf kan oolche yoo ta'e; yookiin

(k) namoota nagaa bakka gareen tokko to'ate jiraataniif huccuu, ciisicha, dawoo, qorichaafi meeshaalee yaalaa yookiin wantoota jireenyaaf barbaachisaa ta'an kan hin dhiyeessine, akka isaaniif dhihaatu kan hin taasifne yoo ta'e; yookiin

(l) walitti bu'iinsi uumamuun dura bu'uura seera biyya itti baqataniin yookiin keessa jiraataniin yookiin seera addunyaalessaan namoota akka baqataatti yookiin lammummaa hin qabneetti beekaman kan miidhe, kan buqqise, akka badan kan taasise, yookiin haala barbaachisuun kan hin qabne yoo ta'e; yookiin

(m) ijoollee umuriin isaanii waggaa kudha saddeetii gadi ta'e waraana keessatti akka hirmaatan taasisuuf miseensummaa tajaajila loltummaaf kan file yoo ta'e; yookiin

(n) meeshaa yookiin tooftaa lolaa uumama naannoo irratti miidhaa cimaa babal'ateefi yeroo dheeraa turu geessisuu danda'uun kan fayyadame, sababuma kanaan fayyaan jiraataa naannoo sanaa akka jeeqamu kan taasise yoo ta'e; yookiin

(o) humni balaafamaa ta'e akka gadi lakkifamu kan taasisuufi kanumaan kan ka'een haala miidhaa olaanaa jiraataa nagaa irratti geessisuu danda'uun

www.abyssinialaw.com

hidhaaleefi buufataale niwukilaraa, humna elektiriikii maddisiisan kan mancaase yoo ta'e; yookiin

(p) manneen murtii idilee seeraan hundaa'aniifi adeemsa murtiifi wabummaa kennaniin ala adabbii kan murteesseefi kan raawwachiise yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi baay'ee ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 271. Yakka Waraanaa Namoota Madaa'an, Dhukkubsattoota, Namoota Balaa Galaanaa Yookiin Qilleensaarra Jiran Yookiin Tajaajila Fayyaa Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu haala armaan olitti ibsameen:

(a) namoota madaa'an, dhukkubsattoota, balaa galaanaa yookiin qilleensaa irra kan jiran yookiin hojjettoota yaalaa yookiin gargaarsa duraa irratti gocha ajjeechaa, dararuu, gargaarsa yaalaa haala sanaaf barbaachisaa ta'e dhorkuun, haala garalaafina hin qabneen gocha nama miidhuu kan raawwate, yookiin darara qaamaa yookiin sammuu biroo kamiiyyuu akka isaan irra ga'u kan taasise yoo ta'e; yookiin

(b) meeshaalee, mana hojii yookiin mana kuusaa eegumsa fayyaaf, kutaa kenniinsa gargaarsaa yookiin geejjibaaf kan tajaajilan karaa seeraan faallaa ta'een yookiin garmalee yookiin tajaajila loltummaaf kan barbaachisuun ala kan diige, tajaajilaan ala kan taasise yookiin kan fudhate yoo ta'e; yookiin

(c) hojjettoonni tajaajila fayyaa, keennitoonni tajaajila amantaafi gaazexeessitoonni qajeelfamni naamusaafi ogummaa kan ajajuun ala akka hojjetan yookiin bu'uura qajeelfamniifi naamusni ogummaa ajajuun akka hin hojjenne yookiin namoota madaa'an, dhukkubsattoota yookiin nagaa eeguuf dambiileefi qajeelfamoota biroo ba'an darbanii akka hojjetan kan dirqisiise yoo ta'e;

bu'uura keewwata 270 jalatti tumameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Keewwata xiqqaa (1) irratti:
   (a) “madaa’aa” fi “dhukkubsataa” jechuun miseensa raayyaa ittisaa yookiin siviilii sababa balaan madaa’uu irra ga’een, dhukkubaan yookiin miidhaa biroo qaama isaarra ga’een yookiin jeequmsaafi tasgabbii dhabuu sammuu isaa irra ga’een nama yaalamuun isa barbaachisu yommuu ta’u, ilaansoo, daa’imman haaraa dhalataniifi dubartoota ulfaa kan fakkaatan gargaarsi yaalaa ariifachiisaan kan isaan barbaachisuufi sochii diinummaa kamiyyuu irraa of qusatanii kan argaman ni hammata.
   (b) “balaa galaanaa yookiin qilleensarra kan jiru” jechuun loltuus ta’e yookiin siviiliin sababa rakkoo yookiin balaa galaana irratti yookiin bishaan biroo keessatti yookiin qilleensa irratti isa mudateen nama lubbuun isaa rakkoo olaanaa keessa jiruufi sochii diinummaa kamiyyuu irraa of qusatee jiru hunda ni hammata.

Keewwata 272. Yakkoota Booji’amtoota Waraanaafi Namoota To’ataman Irratti Raawwataman

Namni kamiyyuu haala armaan olitti ibsameen:

   (a) booji’amtoota waraanaa yookiin namoota to’ataman irratti gocha ajjeechaa, dararuu, yookiin miidhaa dhamaasuu garalaafina namoomatiin ala ta’e akka isaan irratti raawwatamu kan qindeesse, kan ajaje yookiin gochiicha kan raawwate yoo ta’e; yookiin
   (b) namoonni haala kanaan argaman hojii basaasaa, loltummaa yookiin bulchiinsaa diinaa akka tajaajilan kan dirqisiise yoo ta’e;

adabbii keewwata 270 armaan olitti ibsameen ni adabama.

Keewwata 273. Wanbadummaa Galaanarraafi Saamicha Yeroo Waraanaa Taasifamu

Namni kamiyyuu yeroo waraanaa sababa tajaajila loltummaaf ni barbaachisa jedhuun gocha wanbadummaa galaanarraa, saamicha yookiin qabeenya diiguu

www.abyssinialaw.com

yookiin fudhachuu seeraan ala ta'e kan qopheesse, akka qophaa'u kan ajaje, yookiin gochuma kana kan raawwate yoo ta'e;

adabbii armaan olitti keewwata 270 jalatti ibsameen ni adabama.

Keewwata 274. Tuttuquufi Qopheessuu

Namni kamiyyuu yakkoota keewwatoota armaan olii jalatti ibsaman keessaa tokko raawwachuuf, akka raawwatamu taasisuuf yookiin raawwii isaa gargaaruuf yaaduun:

(a) jechaan, fakkiin, yookiin barreeffamaan, ifatti kan tuttuqe yookiin kan jajjabeesse yoo ta'e; yookiin
(b) waldaan yookiin gareen wanbadee tokko akka hundaa'u kanneen biroo waliin kan korate, karoora kan baase yookiin akka hundaa'u kan sossobe yookiin ofii isaatii kan hundeesse, waldaa yokkiin garee kana keessa kan seene, kaayyoo isaa kan hordofe yookiin ajaja isaa kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 275. Gocha Diinaaf Taasifamuu Qabu Cabsuu

Namni kamiyyuu yeroo waraanaa seera addunyaalessaafi waliigalteewwan eegumsa mirga namoomaatiin karaa faallaa ta'een:

(a) diina booji'ame, meeshaa isaa booji'aaf dabarsee kenne yookiin haala kamiiniyyuu ofirraa ittisuu dadhabe yookiin gocha ofirraa ittisuu dhiise kan ajjeese yookiin kan madeesse yoo ta'e; yookiin
(b) qaama nama du'ee kan hir'ise yoo ta'e; yookiin
(c) dirree waraanaa irratti diina madaa'e, dhukkubsate, yookiin reeffa tokko irratti hanna kan raawwate yookiin humna fayyadamee saamicha kan raawwate yoo ta'e, yookiin gochoota kana keessaa tokko raawwachuuf yaaduun nama madaa'e, dhukkubsaticha, yookiin reefficha kan sakatta'e, kan qabe yookiin gocha humnaa kan irratti raawwate yoo ta'e; yookiin
(d) gochoota kana keessaa tokko akka raawwatamu kan ajaje yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaan, yookiin yakkichi baay'ee ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 276. Meeshaalee Waraanaa Seeraan Ala Ta'anitti Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu meeshaalee waraanaa yookiin tooftaalee waraanaa waliigalteewwan addunyaalessaa Itoophiyaan fudhatteen yookiin seera Itoophiyaatiin ifatti dhorkamaniin diina kan waraane yookiin meeshaalee yookiin tooftaalee kanaan diinni akka waraanamu ajaja kan kenne yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama. Dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuun, yookiin haalli raawwannaa yakkichaa baay'ee ulfaataa yoo ta'e; hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 277. Waliigaltee Waraana Dhaabuu Yookiin Walta'iinsa Nageenyaa Diiguu

Namni kamiyyuu waliigalteen waraana dhaabuu yookiin walta'iinsi nageenyaa mallatteeffamuu isaa ifatti osoo beekuufi ajajni erga kennameefii booda waraanichi akka itti fufu kan taasise yookiin gocha biroo kamiiniyyuu dirqamoota waliigaltichaa yookiin walta'iinsichaa keessaa tokko itti yaadee kan diige yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 278. Faannoo Ta'uun Yeroo Waraanaa Yakka Raawwatamu

Namni kamiyyuu yeroo waraanaa haala seera addunyaalessaa faallessuun miseensa raayyaa ittisaa yookiin humna deeggarsa kennu, kan abbootii taayitaa mootummaa Itoophiyaatiin beekame osoo hin ta'iin, gocha mormii raayyaa ittisaa Itoophiyaa irratti raawwachuun tajaajilawwan, meeshaa geejjibaa, malawwan walqunnamtii yookiin geejjibaa isaa irratti gocha miidhaa geessisu kan raawwate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi baay'ee ulfaataa yoo ta'e hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 279. Namoota Madaa'an, Dhukkubsattootaafi Hidhamtoota Irratti Garaa Jabaachuu Yookiin Wanta Isaan Barbaachisu Hir'isuu

Namni kamiyyuu tumaalee seerota addunyaalessaa darbuun nama madaa'e, dhukkubsataa, yookiin booji'amaa hidhaa yookiin to'annaa jala jiru garajabinaan kan darare yookiin gocha humnaa kan irratti raawwate yoo ta'e, yookiin mirga seerota kanaan mirkanaa'aniifitti akka hin fayyadamne kan dhorke yookiin mirga kanatti fayyadamuu akka hin dandeenye kan ajaje yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 280. Haqa Dhorkuu

Namni kamiyyuu yeroo waraanaa yookiin weeraraa seera addunyaalessaa darbuun namni siviilii, madaa'an, hidhamaan yookiin to'atamaan waraanaa namooma isaa kan mirkaneessuuf bu'uura seeraatiin mirga haqa argachuusaa, akkasumas bilisummaan mirga ofirraa ittisuusaa akka dhabu kan taasise yookiin akka dhorkamu kan ajaje yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa sadi irraa hanga waggaa shanii gahuu danda'uun ni adabama.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Jaarmiyaalee Namoomaa Irratti Raawwataman

Keewwata 281. Gocha Diinummaa Jaarmiyaalee Namoomaa Addunyaalessaa Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu yeroo nagaa itti yaadee:
   (a) waldaa Fannoo Diimaa yookiin Addeessa Diimaa yookiin jaarmiyaalee namoomaa kanneen fakkaatan, hojjettoota, bakka bu'oota yookiin

www.abyssinialaw.com

miiltoowwan isaanii yookiin namoota eegumsa jaarmiyaalee kanneen jalatti argaman irratti hojii lolaa yookiin gocha humnaa kan raawwate, kan dhaadate yookiin kan salphise yoo ta'e; yookiin

(b) meeshaalee, hojiilee qabatamaa, yookiin manneen kuusaa jaarmiyaalee kanneenii kan diige yookiin kan miidhaa irraan ga'e yoo ta'e;

hidhaa salphaan; yakki raawwatame cimaa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame yeroo waraanaa yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii gahuu danda'u ni ta'a.

Keewwata 282. Asxaaleefi Mallattoolee Jaarmiyaalee Namoomaa Addunyaalessaatti Seeraan Ala Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu itti yaadee:

(a) asxaalee yookiin mallattoolee jaarmiyaaleen namoomaa addunyaalessaa ittiin beekaman armaan olitti ibsaman hayyama malee kan qabate, kan fannise, yookiin isaanuma kanaan kan tajaajilame yoo ta'e; yookiin

(b) gocha lolaa qopheessuuf yookiin raawwachuuf karoorsuun asxaa yookiin maallattoo akaakuu akkanaatiin yookiin mallattoo nageenyaa seera addunyaalessaatiin beekame kamiiniyyuu, keessumattuu alaabaa adiitti seeraan ala kan tajaajilame yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin yakkichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 283. Gocha Diinummaa Ergamaa Araaraa Irratti Raawwachuu

Namni kamiyyuu, nama garee diinaa irraa ergamaa araaraa yookiin dhiheessaa yaada marii araaraa ta'ee dhufu yookiin isa waliin nama jiru kan dhamaase, kan sodaachise, kan salphise yookiin seeran ala kan qabe yoo ta'e;

hidhaa salphaan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Mata Duree Sadii

Yakkoota Loltummaafi Yakkoota Raayyaa Ittisaa Akkasumas Poolisii Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Loltummaa

Kutaa Tokko

Yakkoota Dirqama Tajaajilaa Cabsuun Raawwataman

Keewwata 284. Tajaajila Loltummaa Diduu

1. Namni kamiyyuu, dirqama loltummaan miindeffamuu yookiin loltummaan tajaajiluu qabu raawwachuu jalaa miliquuf yaaduun, loltummaan akka galmaa'u yookiin bu'uura labsii ittariin adda waraanaatti dhihaatee akka tajaajiluuf waamicha dhuunfaan taasifameefiin, beeksisa ifatti maxxanfameen yookiin beeksisa sabqunnamtiin himameen ajaja darbe kan hin raawwanne yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 285. Ajaja Waamichaa Kabajuu Dhabuu

1. Namni kamiyyuu, loltummaan filatamuu yookiin tajaajiluu barbaaduu dhabuun osoo hin taane, ajaja waamichaa kan hin raawwanne yoo ta'e, keessumattuu qorannoo, sakatta'iinsa, barnoota shaakala filannoo loltummaaf taasifamu yookiin dirqama loltummaa kamiyyuu akka raawwatu waamicha taasifameef kan hin kabajne yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkichi kan raawwatame yeroo waraanaa, yookiin labsiin yeroo ariifachiisaa yommuu labsametti yookiin balaa uumamaa yookiin namtolchee olaanaa yookiin dhukkubni nageenya ummataa balaaf saaxilu yeroo mudatetti yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle ta'a.

Keewwata 286. Dandeettii Dhabuu Dirqama Tajaajilaa Jalaa Miliquuf Itti Yaadamee Taasifamu

1. Namni kamiyyuu, gocha ofiisaatiin yookiin kan nama biroon qaama isaa guutummaatti yookiin gartokkeen hir'isuun, qaama isaa yookiin fayyaa isaa irratti miidhaa geessisuun yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu qaama isaa yookiin fayyaa isaa irratti miidhaa fedha ofiitiin raawwatutti fayyadamuun, qaama isaa guutummaan yookiin gartokkeen hir'isuun, yeroof yookiin yeroo hundaaf tajaajilaaf gahaa ta'ee akka hin argamne kan taasise yoo ta'e;

   akkuma haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu, kaayyoo armaan olitti ibsameef gocha kamiiniyyuu fedhii abbaa dhimmichaan, abbaan dhimmichaa gartokkeen yookiin guutummaan tajaajila kennuu akka hin dandeenye kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

3. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yeroo kennametti, labsiin waraana ittarii yeroo labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 287. Waliindhahiinsa Tajaajila Loltummaa Jalaa Miliquuf Raawwatamu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu, yeroo hundaaf yookiin yeroof dirqama tajaajila loltummaa qabu jalaa miliquuf, abbootii tayitaa siviilii yookiin loltummaa dhimmichi ilaallatu gowwomsuuf malawwan karoorfamaniin kan fayyadame yoo ta'e, keessumattuu waraqaa ragaa sobaa dhiheessuun, jecha yookiin sanada soba ta'een gargaaramuun yookiin dhukkubsataa yookiin qaama miidhamaa fakkaachuun kan gowwomse yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa waggaa sadii gadi hin taaneen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaa yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 288. Baduu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu dirqama tajaajila loltummaa isaa jalaa miliquuf yaaduun, kutaa waraanaa isaa yookiin hojii tajaajila loltummaan walqabatee dhiisee kan deeme yookiin hayyamaan erga deemee booda, gara kutaa isaatti yookiin gara hojii tajjaajila isaatti osoo hin deebi'iin kan hafe yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaa yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'e, hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 289. Seeraan Ala Hafuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiiyyuu, tajaajila loltummaa jalaa miliquuf karoorfachuun osoo hin ta'iin:
   (a) hayyama malee yookiin sababa humnaa ol hin taaneen, kutaa waraanaa isaa dhiisee kan deeme yoo ta'e yookiin hojii loltummaasaa osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e; yookiin
   (b) sababa humnaa ol hin taaneen yeroo hayyamaa yookiin boqonnaa kennameef kan dabarse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame yeroo waraanaa yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa sadi hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 290. Itti Yaadee Gara Kutaa Waraanaa Isaatti Deebi'uu Dhiisuu

Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu yeroo waraanaatti:

(a) kutaa waraanaa isaa irraa erga addaan bahee booda, gara kutaa isaatti yookiin gara waraana gartuu naannawaa sanatti argamutti osoo hin makamiin kan hafe yoo ta'e; yookiin

(b) erga booji'amee booda bilisummaa isaa akkuma argateen battalumatti kutaa waraanaa tokkotti yookiin abbaa taayitaa waraanaatti dhihaatee osoo hin gabaasiin yookiin gara ramaddii isaatti osoo hin deebi'iin kan hafe yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin yakkicha kan raawwate itti yaadee dirqama loltummaa isaa irraa hanga dhumaatti baqachuuf yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uun ni adabama.

Kutaa Lama

Aangoo Loltummaatti Seeraa Ala Fayyadamuu

Keewwata 291. Seeraan Ala Dirqama Tajaajilaa Irraa Bilisa Taasisuu

1. Namni kamiyyuu, aangoo hojii yookiin loltummaa kennameef hanga isaa irra dabarsuun yookiin aangoodhuma isaa kanaan seeraan ala fayyadamuun nama biroo dirqama tajaajila loltummaa isaa irraa bilisa kan taasise yoo ta'e;

   yoo xiqqaate hidhaa salphaa ji'a jahaan ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaa yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 292. Gocha Doorsisaafi Humnaa Qaama Gadi Aanaa Irratti Raawwatamu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu, nama ajaja isaa yookiin isa jala jiru irratti kan dhaadate, harka darbuu kan raawwate, yookiin hariiroo nama kana waliin qabuun kan isa salphise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame garajabinaan yookiin gocha humnaatiin, meeshaa waraanaatiin yookiin meeshaa balaafamaa biroon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa shan hin caallee ni ta'a.

Kutaa Sadi

Yakkoota Hojiiwwan Tajaajila Loltummaa cabsuun Raawwataman

Kutaa Xiqqaa Tokko

Yakkoota Sirnootaafi Naamusa Gaarii Haala Balaaf Saaxiluun Raawwataman

Keewwata 293. Dambiilee Tajaajilaa Waliigalaa Cabsuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu, dambii sirnaa darbuun ala kan ta'an /keewwata 792/, ajajoota yookiin dambiilee hojii tajaajilaa waliigalaa humnoota ittisaa itti yaadee kan cabse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon ta'ee, yeroo nagaatti yoo ta'e, adabbichi adabbii naamusaa /discipline/ ni ta'a; yeroo waraanaatti yookiin haala cimaa birootiin yoo ta'e, garuu hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 294. Odeeffannoo Guutuu Yookiin Sirrii Hin Taane Kennuu

1. Aangoon yookiin hojiin loltummaa isaa gabaasa yookiin ibsa ofiiseelawaa /official/ qopheessuu yookiin unka sanada tajaajilaa guutuu kan ta'e, namni kamiyyuu:
   (a) itti yaadee ijoo dubbii yookiin dubbii dhugaa kan jijjiire yookiin kan dhokse yookiin sanada mallattoo isaatiin mirkanaa'uu qabu irratti tarreeffama yookiin lakkoofsa kamiyyuu osoo hin guutiin kan dhiise yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa lamaa hanga waggaa shanii gahuu danda'uun ni adabama.
   (b) dirqama hojii isaa ta'ee osoo jiruu, diduun qaboo yaa'ii, gabaasa yookiin ibsa osoo hin qopheessiin yookiin osoo hin ergiin kan hafe yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalle ni ta'a.

3. Hayyama boqonnaa argachuuf yookiin yeroo isaa dheeressuuf yaaduun abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatu jalaa dhugaa isaa kan dhokse yookiin abbaa taayitaa kanaaf mirkaneessa sobaa kan dhiheesse miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu, hidhaa salphaan ni adabama.
4. Yakkichi kan raawwatame, mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; yookiin yakkichi balaa cimaa ta'e kan hordofsiisuu danda'u yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa salphaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 295. Machaa'anii Argamuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu;
   (a) hojii loltummaa irra yeroo jirutti irradaddeebi'ee kan machaa'e yoo ta'e; yookiin
   (b) machaa'ee naamusa kan cabse yookiin ummata kan jeeqe yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Namni machaa'e kun, meeshaan nama biroo irratti kan dhaadate yookiin balaafamaa ta'ee kan mul'ate yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 296. Naamusaa /Discipline/ Ala Ta'uu

Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu:

(a) hayyama malee buufata waraanaa isaatii, mana jireenyaa loltummaa isaatii yookiin dahannoo waraanaa isaatii kan deeme yookiin ajaja malee yookiin hayyama malee akka hin geenye bakka dhorkame yookiin naannoo hayyamameefiin alatti kan argame yoo ta'e; yookiin

(b) lola, goolii yookiin jeequmsa keessatti hirmaataa kan ta'e, yookiin gocha kana akka dhiisuuf ajaja hogganaan olaanaa tokko kenneef diduun kan morme yoo ta'e; yookiin

(c) hospitaala ciisee yookiin daddeebiin yommuu yaalamu dhukkubsattootaaf iddoo aara galfannaa ta'e yookiin bakka biroo kamiyyuutti haala isaa caalaatti walxaxaa taasisuuf yookiin hammeessuuf yookiin yeroo yaalaa isaa haala dheeressuu danda'uun naamusaan ala kan ta'e yookiin ajaja kan hin kabajne yoo ta'e; yookiin

(d) haala biroo kamiiniyyuu, jechaan, sochii qaamaan (mallattoon)yookiin gochaan, sirna gaarii yookiin naamusa loltummaa kan jeeqe yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa sadi hin caalleen ni adabama.

Keewwata 297. Arrabsoo, Doorsisaafi Harka Darbuu Hogganaa Olaanaa Yookiin Miseensa Gonfaan Isaan Walqixa Ta'e Irratti Raawwatamu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu, hogganaa olaanaa yookiin miseensa gonfaan isaan walqixa ta'e tokko kan arrabse, kan itti dhaadate, kan jeeqe yookiin harka darbuu kan irratti raawwate yoo ta'e;
   hidhaa salphaan ni adabama.
2. Gochichi kan raawwatame gocha humnaan yookiin meeshaa waraanaan, wanta balaafamaa ta'een yookiin meeshaa akaakuu kamiiniyyuu yoo ta'e;
   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

3. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsameetti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi yakka keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameef hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle, keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsameef hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 298. Hogganaa Olaanaaf Ajajamuu Dhabuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu, itti yaadee ajajaa olaanaa isaatiin yookiin abbaa taayitaa loltummaa dhimmichi ilaallatuun hojicha ilaalchisee jechaan, barreeffamaan, mallattoon yookiin karaa biroo kamiiniyyuu kallattiin isumaaf yookiin kutaa waraanaa inni keessatti argamuuf ajaja kenname kamiiniyyuu osoo hin raawwatiin kan hafe yookiin raawwachuu kan dide yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'eefi diddaan isaas kutannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi addatti cimaa ta'ee, diddaan isaas kan raawwatame diina duratti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa umurii guutuu yookiin du'a ni ta'a.

Keewwata 299. Fincila Loltummaa

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu loltoota biroo waliin gamtaa'uun walga'ii seera qabeessa hin taane irratti hirmaachuun yookiin haala biroo kamiiniyyuu hogganaa olaanaa yookiin abbaa taayitaa loltummaa irratti, yookiin hogganaa olaanaa yookiin abbaa taayitaa loltummaa mormuun ajajamuu dhabuu raawwatameen sochii mormuu, dhaadachuu, gocha humnaa yookiin harka darbuu keessatti hirmaataa yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'u, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti, hidhaa umurii guutuu yookiin du'a ni ta'a.

3. Gaggeessitoonni yookiin gurmeessitoonni fincilichaa daangaaleen adabbii armaan olitti ibsaman osoo hin darbamiin adabbiif haala cimaa adda ta'een /keewwata 84(1) (d)/ ni adabamu.

Keewwata 300. Korannaa Yookiin Atooma Fincila Loltummaa Kaasuuf Taasifamu

1. Namni kamiyyuu, fincilli loltummaa yookiin sochiin seeraan alaa akka ka'u qopheessuuf kanneen biroo waliin kan korate yookiin kan atoome yoo ta'e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waaraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa digdamaa gahuun ni ta'a.

Keewwata 301. Fincilli Loltummaa Akka Taasifamu Kakaasuufi Yaalii Kakaasuu, Miiltummaafi Yaalii Miiltummaa

Mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanni jirutti fincilli loltummaa akka taasifamu kakaasuun yookiin yaaliin kakaasuu, miiltummaan yookiin yaaliin miiltummaa hidhaa salphaan ni adabasiisa /keewwata27 (2), 36 (2), 37(3)/.

Keewwata 302. Yakka Waardiyyaa, Waardiyyaa Eegumsaafi Waardiyyaa sonii Irratti Raawwatamu

Arrabsoon, doorsisaan, harka darbuun, gocha humnaa, ajajamuu dhabuun yookiin fincilli waardiyyaa hojii isaa raawwachaa jiru irratti, waardiyyaa eegumsaa yookiin waardiyyaa sonii irratti raawwatamu bu'uura keewwata 298 jalatti tumameen ni adabsiisa.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Xiqqaa Lama

Yakkoota Dirqama Eegumsaa Yookiin Ajajoota cabsuun Raawwataman

Keewwata 303. Dirqama Eegumsaa Cabsuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu:
   (a) itti yaadee yookiin dagannoon, machiin yookiin sababa biroon hojii waardiyyummaa isaa raawwachuuf haala isa hin dandeessifne irratti kan argame yoo ta'e; yookiin
   (b) hojii waardiyyummaa isaa hayyama malee kan dhiise yookiin abbaan dabaree biroon osoo bakka isaa hin bu'iin hojii isaa irraa kan dhabame yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame itti yaadamee diina duratti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahu; yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa umurii guutuu yookiin du'a ni ta'a.

Keewwata 304. Ajaja Loltummaa Cabsuu

1. Namni kamiyyuu waardiyyaa idileef, loltuu waardiyyummaa dhaabbateef, waardiyyaa sonii, loltuu dabaalaa, yookiin nama hojiilee kana fakkaatan raawwatu kamiifuu gocha ajaja kennameefiin faallaa ta'e kan raawwate yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame:
   (a) iddoo humni elektiriikaa yookiin jaarmiyaa ibsaa kennu jiru, hidhaa, ittisa bishaanii, kuusaa bishaanii, buufata doonii, jaarmiyaalee buufata doonii, yookiin jaarmiyaalee eegumsaa, riqichoota, ce'umsa sululaa, daandiiwwan darbiinsaa faayidaa olaanaa qaban; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) meeshaalee, harkifamtoota baaburaa, yookiin iddoo meeshaaleen motoraan socho'an itti argaman, iddoo dooniiwwan qofa'atanii dhaabbatan, mankuusa meeshaaleen keessatti kuusaman yookiin iddoo biroo, iddoo meeshaaleen waraanaa, rasaasni, wantoonni dhohan, boba`aan yookiin meeshaaleen galaa itti kuufaman; yookiin

(c) daangaa yookiin iddoo balaafamaa ta'e, ajaja addaa eegumsa ilaallatu mormuun yoo ta'e;

adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taane ni ta'a.

3. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e; dabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.

Keewwata 305. Ajaja Seeraan Ala Ibsuu Yookiin Jijijjiiruu Yookiin Haala Maluun Dabarsuu Dhabuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu hojii tajaajila isaa irra osoo jiruu, garuu ganuun osoo hin ta'iin:

(a) jecha mirkaneessaa, jecha iggitaa, yookiin nama itti himamuu hin qabnetti ajaja iccitii kan ibse yoo ta'e; yookiin

(b) nama iccitichi ibsamuufii qabutti yoo ta'ellee, jecha mirkaneessaa fuudhe, jecha iggitaa yookiin ajaja iccitii waliin kan wal hin fakkaanne jecha akaakuu biroo beekaa kan dabarse yoo ta`e; yookiin

(c) ergaa dabarsuu qabu osoo hin dabarsiin kan hafe yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waaraanaa yommuu kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'eefi raawwiin isaa:

(a) dagannoon yommuu ta'u, adabbichi hidhaa salphaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.

(b) itti yaadamee yoo ta'u; adabbichi hidhaa cimaa wagga digdama hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Xiqqaa Sadi

Yakkoota Amanamummaa Hir'isuun Raawwataman

Keewwata 306. Mi'ootatti Garmalee Fayyadamuu Yookiin Qisaasuu

1. Namni kamiyyuu meeshaalee waraanaatiin, rasaasotaan, hidhannoo loltummaatiin, meeshaaleen, konkolaattotaan, beelladootaan yookiin mi'oota biroo imaanaan itti kenname yookiin harkatti galfateen yookiin sababa hojii isaatiin yookiin loltummaa isaatiin kan argate kanneen kana fakkaatan kamiyyuutti garmalee kan tajaajilame, kan ergise yookiin wabummaan kan qabsiise yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen yookiin yakkichi salphaa yoo ta'e; hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama.
2. Namni kamiyyuu, mi'oota armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman kan gurgure, kan balleesse, kan gate, kan mancaase, kan qisaase yookiin kan barbadeesse yoo ta'e; seera kana tumaa biroon kan adabamu yoo ta'e malee; tajaajilli loltummaa isaa yookiin loltummaan isaa erga xumuramee booda yoo ta'ellee;
   hidha cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.
3. Meeshaan yookiin miini yakki irratti raawwatame nageenya biyyaaf baay'ee barbaachisaa yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa digdamii shan hin caalle ni ta'a.
4. Yakkichi kan raawwatame yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii, dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa umurii guutuu ni ta'a.

Keewwata 307. Faayidaa Hin Malle Argachuu Yookiin Seeraan Ala Balleessuu

1. Namni kamiyyuu galaa, maallaqa, mi'a, boba'aa yookiin qabeenya biroo loltootaa kamiiniyyuu akka eeguuf, to'atuuf, hojii isaa gaggeessuuf, bituuf yookiin raabsuuf itti gaafatamummaan kennameef:
   (a) karaa seeran ala ta'een kan itti fayyadame yookiin haala kamiiniyyuu gatiin isaa akka gadi bu'u kan taasise yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) sababa qabeenyichaan faayidaa kamiiniyyuu kan fudhate yookiin akka isaaf kennamu kan sossobe, yookiin haala kamiiniyyuu yoo ta'e, nyaata, galaa, hidhannoo loltuu, mi'a bitame yookiin mi'a biroo mana mi'aa, bakka, buufata waraanaa, hoteela, bakka walga'ii, yookiin mana loltummaa kamiyyuu tokko keessa jiru hojii bituu, gurguruu, yookii raabsuu isaa irratti faayidaa hin malle kan fudhate yookiin akka kennamuuf kan kakaase yoo ta'e;

gochichi akka amantaa hir'isuu, gaggeessummaa hojii dabaa, matta'aa, hojii mootummaa irratti dirqisiisuu yookiin kan kana fakkaatan ta'ee, yakkootuma kanaan kan hin adabsiisne yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin dubbichi ulfaataa yeroo ta'utti hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame yeroo waraanaatti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalle ni ta'a.

Kutaa Afur

Yakkoota Nageenya, Hamilee Yookiin Humna Raayyaa Ittisaa Irratti Raawwataman

Keewwata 308. Balaa Beeksisuu Dhabuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu, haalli tarkaanfiin loltummaa battalumatti irratti fudhatamuu qabu jiraachuu isaa osoo beekuu ajajaa isaatti, abbaa taayitaa loltummaatti yookiin kutaa waraanaatti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yeroo kennametti, waraanni ittarii yommuu labsametti, yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.
3. Fincila loltummaa, balaa yookiin karoora baduu beeksisuu dhabuun bu'uura tumaalee rogummaa qabaniin ni adabsiisa /keewwata 335/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 309. Eeggannoo Nageenyaa Barbaachisaa Ta'e Fudhachuu Dhabuu

1. Qondaalli ajajaan tokko yookiin namni biroo tajaajila raayyaa ittisaa keessatti argamu kamiyyuu, itti yaadee shaakala loltummaa yookiin dhimma tajaajila ilaallatuun caarraa yeroo kamittiiyyuu tarkaanfilee eeggannoo yookiin nageenyaa lubbuu yookiin fayyaa namootaa, yookiin beelladootaa eeguuf barbaachisan kaka'umsa ofiin qopheessuu dhabuu isaan; yookiin kuusaalee mi'aa, buufatalee waraanaa, hojiilee qabatamoo, meeshaalee hojii yookiin mi'oota biroo hojii itti gaafatmummaa isaan eegaman sirriitti akka eegaman yookiin nageenyi isaanii akka mirkanaa'u taasisuu dhabuu isaan balaan akka isaanirra gahuufi haala yaaddessaa irratti akka argaman kan taasise yoo ta'e;

   akkuma haala dubbichaatti hidhaa salphaan, yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Balleessichi yakkicha kan raawwate dagannoon yoo ta'e, gochicha adabbiin naamusaa qofti kan isa hin geenye ta'ee yoo argame, hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.
3. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yeroo kennametti waraanni ittarii yeroo labsametti yookiin yeroo waraanaatti ta'ee:
   (a) itti yaadamee yommuu ta'u, adabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle, yookiin balleessichi miidhaa cimaa kan hordofsiise yoo ta`e, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
   (b) yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalle ni ta'a.

Keewwata 310. Mallattoo Balaa Soba Ta'e Kennuu

1. Namni kamiyyuu, itti yaadee yeroo imala loltummaa yookiin boqonnaatti, dirree yookiin buufata waraanaatti, doonii waraanaa tokko irratti, bakka buufata xiyyaaraatti yookiin bakka biroo kamiyyuutti keessumattuu, meeshaa waraanaa luqqifachuun, dhukaasuun, dibbee rukutuun, faaggaa afufuun, mallattoon, iyyaan, sochii qaamaan yookiin tooftaa biroo kamiyyuu fayyadamuun mallattoo balaa soba ta'e kan kenne yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa waraanaa yemmuu kennametti, waraanni ittarii yemmuu labsametti, yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'eefi seera kana tumaa biroon addatti adabbii olaanaa ta'een kan adabsiisu yoo ta'uu baate; adabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi gocha keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameef hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle; gocha keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsameef immoo hidhaa salphaa waggaa lama hin caalle ni ta'a.

Keewwata 311. Raayyaa Ittisaa Abdii Kutachiisuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa yookiin ajajaan waraanaa kamiyyuu amala yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsameen alatti agarsiisuun, keessumattuu karaa faallaa ajaja isaa kennameen mataa milqfachuun (baqachuun), meeshaa waraanaa isaa, hidhata isaa yookiin rasaasota isaa gatuun, loltoota gidduutti sodaa facaasuun, naamusa dhabuun yookiin burjaajjessuuf sababa ta'uun yookiin haalonni akkasii akka hin uumamne yookiin akka maqfaman gochuuf eeggannoo barbaachisu raawwachuu dhabuun hamilee loltootaa kan tuqe yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa digdamii shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame yeroo waraanaatti yookiin waraanaan dura xiqqoo dursee yookiin battaluma waraanni raawwatetti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taane ni ta'a.
3. Yakkichiifi bu'aan inni hordofsiisu cimaa ta'ee yommuu argamutti, adabbichi hidhaa cimaa umurii guutuu yookiin akkuma haala dubbichaatti du'a ta'uu ni danda'a.

Keewwata 312. Sodaattummaa

Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu diina duratti sodaan:

(a) meeshaa waraanaa isaa kaasuuf yookiin itti fayyadamuuf didaa yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) osoo hin ajajamiin kan dhokate, kan baqate yookiin iddoo waraanaa isaaf kenname kan gadhiise yoo ta'e; yookiin

(c) hiriyoonni isaa yookiin miiltoleen isaa osoo hin ajajamiin akka dhokatan, akka baqatan, yookiin iddoo waraanaa isaaniif kenname akka gadhiisan kan kakaase yoo ta'e;

baay'ee yoo xinnaate hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi baay'ee ulfaataa yoo ta'e hidhaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

Keewwata 313. Diinatti Harka Kennuu

Ajajaan waraanaa yookiin miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu:

(a) waraanarratti yookiin diina duratti loltummaa isaatiin raawwachuu kan qabu akka haalichaatti waan isarraa eegamu hunda osoo hin raawwatiin waraana kan dhaabe, faajjii araaraa kan olqabe, ergamaa kan erge, yookiin faajjii isaa kan gadi buuse yookiin miiltolee isaa waliin ta'uun diinatti harka kan kenne yoo ta'e; yookiin

(b) itti gaafatamummaa isaa jala kan jiran doonii waraanaa, xiyyaara, taankii yookiin meeshaa waraanaa kamiyyuu karaa ittiin baraaruu danda'uun barbaadee waan isaaf danda'amu hunda osoo hin raawwatiin; dhiisee kan deeme, kan gadi dhiise, kan mancaase yookiin diinaaf dabarsee kan kenne yoo ta'e; yookiin

(c) ittisuuf raawwachuu kan qabu hunda osoo hin raawwatiin dawoo guddaa, magaalaa, buufata doonii, yookiin buufata xiyyaaraa, buufata waraanaa yookiin bakka dawoo waraanaa diinaaf kan gadhiise yoo ta'e;

hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 314. Meeshaalee Waraanaa Akka Guutamanitti Dhiisuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa yookiin qondaalli ajajaa waraanaa kamiyyuu yeroo waraanaatti, akeeka waraanaa, buufataalee, manneen aaragalfii, rasaasota, meeshaalee waraanaa, mi'oota tajaajila waraanaaf oolan biroo, riqichoota, daandii ce'umsa sululaa, hadiida baaburaa, yookiin mi'oota ittisa biyyaatiif tilmaama guddaa qaban tajajilaan ala gochuuf, mancaasuuf, waan isaa danda'amu hunda osoo hin raawwatiin dinaaf kan dhiise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalleen yookiin badichi cimaa yeroo ta'utti hidhaa cimaa umurii guutuun ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa shanii gahuu danda'u ni ta'a.

Keewwata 315. Seeraan Ala Uffata Seeraa Yookiin Meeshaa Waraanaa Diinaatti Fayyadamuu

1. Miseensi rayyaa ittisaa kamiyyuu uffata seeraa, asxaa yookiin meeshaa waraanaa diinaa haala dogoggorsuun yookiin miidhaa geessisuun uffatee yookiin osoo itti fayyadamuu kan argame yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame, keessumattuu yeroo waraanaatti ta'ee gochichi dogoggorsa yookiin miidhaa olaanaa kan hordofsiise yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 316 . Miseensa Madaa'e Yookiin Du'e Dhiisanii Deemuu

1. Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu miseensa dirree waraanaatti madaa'e yookiin du'e osoo hin kaasiin yookiin dhiisee deemuun harka diinaatti akka kufu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Hakiimiin loltuu kamiyyuu dirqama isaa yookiin hojii isaa raawwachuu dhabuun miseensa dirree waraanaatti madaa'e tokkoof yaala barbaachisu kennuu dhabuu isaan, namni madaa'a'e sun kan du'e yookiin miidhaa cimaan kan irra ga'e yoo ta'e; adabbii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen ni adabama.
3. Yakkichi faayidaa biyyaa yookiin hamilee raayyichaa irratti miidhaa olaanaa kan hordofsiise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa umurii guutuu yookiin du'a ni ta'a.

Keewwata 317. Yakka Qabeenya Miseensa Madaa'e Yookiin Du'e Harka Jiru Irratti Raawwatamu

Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf yaadee miseensa dirree waraanaa irratti madaa'e yookiin du'erraa qabeenya mootummaa yookiin kan biroo kamiiniyyuu kan fudhate yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

Kutaa Shan

Tumaalee Waliinii

Keewwata 318. Yakkoota Siviilonni Yookiin Milishoonni Raawwatan

Miseensi siviilii yookiin milishaa dirqama dirree waraanaa biyya keessas ta'e biyya alaa irratti argamu, bu'uura tumaalee mata duree lammaffaa armaan olii /keewwata 269-283/ jalatti ibsamaniin seerota addunyaalessaa cabsuun yakkoota raawwatuun itti gaafatamaa ta'uun isaa akkuma eegametti ta'ee tumaaleen keewwata 284-317 tti jiran irratti raawwatamaa ni ta'u.

Ta'us, yakkoota akaakuu tokko haala walfakkaataa ta'een raawwatamaniif akka miseensa raayyaa ittisaatti manni murtichaa adabbicha itti hin cimsu.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 319. Yakkoota Booji'amtoonni Waraanaafi To'atamtoonni Loltuu Raawwatan

1. Booji'amaan waraanaa yookiin to'atamaan loltuu daangaa Itoophiyaa keessatti yookiin abbaa taayitaa loltummaa yookiin sivilii Itiyoophiiyaa jalatti argamu bu'uura tumaalee mata duree lama kanaan dura jiru keessatti ibsamaniin seerota addunyaalessaa darbuun yakkoota raawwatuun itti gaafatamaa ta'uun isaa akkuma eegametti ta'ee, yakka loltummaa raawwatu kamiifuu adabbiilee maallaqaa yookiin naamusaa malee tumaaleen idilee mata duree kanaa irratti raawwatamoo ni ta'u.
2. Balleessichi yakkoota loltummaa hin taane kan raawwate yoo ta'e, adabbiileen seera kanaan yakkoota idileef tumaman irratti raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 320. Yakkoota Qondaaltonniifi Qondaaltonni Ajajaan Dirqama Loltummaa Cabsuun Raawwatan

Tajaajiloota loltummaa, naamusa yookiin dirqama yookiin sirna loltummaa yookiin walumaagalatti tajaajiloota loltummaa yookiin dirqamoota cabsuun qondaalli yookiin qondaalli ajajaan tokko yakka kan raawwate yoo ta'e; mallattoo sadarkaa gonfa isaatiin garaagarummaan osoo irratti hin taasifamiin, fakkeenyummaa akka qabaatutti hanga badii balleesseen fiixee adabbiilee seera yakkaa kanaan tumaman otuu ol hin darbiin adabbii cimaan ni adabama.

Keewwata 321. Haalawwan Cimoof Adabbiilee Dabalata Ta'an

Yakkoonni hidhaa cimaan yookiin du'aan adabsiisan yommuu mudatan, raawwatichi yakkicha kan raawwate jaalala maallaqaatiin yoo ta'e; qondaala ajajaa waraanaa yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen, qoondaala ajajaa yoo hin taane adabbii maallaqaa qarshii kuma digdamii shan hin caalleen manni murtichaa dabalataan adabuu ni danda'a.

Balleessichi tajaajila isaa itti fufuuf yookiin gonfa isaa akka qabatetti jiraachuun kan isaa hin malle ta'ee kan argame yoo ta'e, gonfa isaa irraa akka gadi bu'u yookiin

www.abyssinialaw.com

miseensummaa raayyaa ittisaa keessaa akka bahu dabalataan itti murtaa'uu ni dandaa'a.

Keewwata 322. Adabbiileen Naamusaa Kan Eegaman Ta'uu Isaanii

Miseensi raayyaa ittisaa kamiyyuu seerota, dambiilee yookiin qajeelfamootaafi ajajoota loltummaa dhaabbii keessatti kanneen ibsaman kan darbe yoo ta'eefi badichi xiqqaa ta'uusaatiin yakkaan kan isa hin gaafachiifne yommuu ta'u, bu'uura qajeelfama naamusaa raayyichaatiin adabbiin naamusaa irratti ni murtaa'a /keewwata 792/.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Raayyaa Ittisaafi Miseensota Isaaniirratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Yakkoota Miseensota Raayyaa Ittisaa Hojii Isaanii Raawwachaa Jiran Irratti Raawwataman

Keewwata 323. Dirqamni Hojii Haala Hin Malleen Akka Raawwatamu Yookiin Akka Cabu Dirqisiisuu

Namni kamiyyuu doorsisaan yookiin humnaan miseensi raayyaa ittisaa tokko hojii tajaajila isaa garmalee akka raawwatu yookiin tajaajila raawwachuu qabu akka hin raawwanne kan dirqisiise yookiin kan dhorke yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 324. Miidhaa Miseensa Raayyaa Ittisaa Hojii Isaa Hojjechaa Jiru Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu miseensa raayyaa ittisaa hojii isaa hojjechaa jiru, osoo inni isa hin tuqiin kan doorsise, kan miidhe yookiin kan harka itti darbe yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Balleessichi meeshaa qabateen miidhamticha kan sodaachise yoo ta'e, yookiin gocha humnaa kan irratti raawwate yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa sadii gahuu danda'u ni ta'a.
   Gochi kun miidhaa qaamaa cimaa yookiin du'a kan hordofsiise yoo ta'e, tumaaleen seera kana rogummaa qaban dabalataan raawwatamoo ni ta'u /keewwata 66/.

Keewwata 325. Haalawwan Ulfaatoo

Yakkoonni armaan olitti keewwata 323 yookiin 324 jalatti ibsaman kan raawwataman:

(a) waardiyyaa, waardiyyaa loltuu, loltuu sonii, poolisii loltummaa yookiin abbaa taayitaa loltuu biroo hojii isaa hojjechaa jiru irratti yoo ta'e; yookiin
(b) qondaala loltummaa yookiin qondaala ajajaa hojii yookiin mallattoo gonfa isaan adda ba'uu danda'u irratti yoo ta'e;

doorsisichi yookiin miidhaan meeshaa waraanaa malee raawwatame qaama yookiin fayyaa namaa irratti miidhaa kan hin geessifne yoo ta'e, balleessichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama; miidhaa humnaan yookiin meeshaa waaraanaan raawwatame yommuu ta'u, balleessichi hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneen ni adabama.

Kutaa Lama

Yakkoota Raayyaa Ittisaafi Kutaalee Kenniinsa Tajaajila Deeggarsaa Isaanii Irratti Raawwataman

Keewwata 326. Dirqamoota Seeraa Yookiin Waliigaltee Cabsuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) beelladoota, konkolaattota, nyaatawwan, yookiin mi'oota biroo tajaajila loltumaaf yookiin raayyaa ittisaaf barbaachisan kamiyyuu dirqama seeraan dabarsanii kennuu yookiin dhiheessuu osoo qabuu, dirqama isaa kana sababa hin malleen osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e; yookiin
   (b) bu'uura dirqama waliigaltee seeneen galaa, meeshaa, mi'a, yookiin mi'oota biroo tajaajila loltummaaf yookiin raayyaa ittisaaf dabarsee kennuuf yookiin

www.abyssinialaw.com

dhiheessuuf waliigale kamiiniyyuu yookiin tajaajila hojiilee qabatamoof, gamooleef yookiin hojiilee uumataa /public/ kan oolu wantoota kamiiniyyuu dirqama dabarsee kennuu yookiin dhiheessuu isaa osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e; yookiin

(c) walumaagalatti raawwachuu kan qabu hojiilee, tajaajiloota, dirqamoota dabarsee kennuu yookiin harkaa fudhachuu kan to'ate yookiin kan harkaa fuudhe yookiin kan dabarsee kenne, dirqamoota waliigaltee osoo hin hordofiin yookiin eeggannoo barbaachisu osoo hin taasisiin hafuu isaatiin haala raayyaa ittisaa irratti miidhaa geessisuun boodatti hafee yookiin hojii isaa osoo hin raawwatiin hafeera yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama. Yakkichi baay'ee cimaa yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi akkuma haala dubbichaatti hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.
3. Yakkicha kan raawwate jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef yoo ta'e, tumaaleen seera kanaa keewwata 90 isarratti raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 327. Hojii Dabaa

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) raayyaa ittisaaf akka tajaajilan kan hundeeffaman hojiilee qabatamoo, mi'oota, meeshaalee yookiin wanta biroo kamiiniyyuu kan diige, kan mancaase, yookiin tajaajilaan ala akka ta'an kan taasise yoo ta'e; yookiin
   (b) muudamaan yookiin abbaan taayitaa tokko tajaajila raayyaa ittisaaf kennu akka hin raawwanne kan dhorke, yookiin tajaajilicha kan jeeqe yookiin balaarra kan buuse yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e;
   adabbichi hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.
3. Yakkoonni humna ittisaa mootummaa irratti raawwataman bu'uura keewwata 247 tiin kan adabsiisan ni ta'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 328. Mi'oota Loltummaan Daldaluu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee, mi'oota qaamolee bulchiinsaa raayyaa ittisaan dhaalamanii, yookiin raayyaa ittisaaf akka tajaajilan seeraan ummata irraa fudhatamanii tajaajilarra jiran, karaa seeraan ala ta'een kan ergise, idaan kan qabsiise, ergisaan yookiin qabsiisaan kan fudhate yoo ta'e;
   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Namni kamiyyuu mi'oota armaan olitti keewwata xiqqaa(1) jalatti ibsaman kan gurgure, kan bite, yookiin guutummaatti faayidaa ofiif kan oolfate yookiin kan balleesse, kan diige, yookiin tajaajilaan ala kan taasise yoo ta'e;
   yoo xiqqaate hidhaa salphaa ji'a jahaan ni adabama.
3. Dubbichi ulfaataa yommuu ta'utti, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
4. Yakkicha kan raawwate jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef yoo ta'e, tumaaleen seera kana keewwata 90 irratti raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 329. Seeraan Ala Uffata Seeraa, Mallattoofi Badhaasa Raayyaa Ittisaa Oomishuufi Daldalaaf Naannessuu

1. Namni kamiyyuu, osoo hin hayyamamiiniif uffattoota seeraa loltummaa, mallattoolee yookiin badhaasota kan hojjete, kan kuuse, gurgurtaaf kan dhiheesse yookiin kan gurgure, kan bite yookiin karaa biroo kamiiniyyuu harkatti kan galfate yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkicha kan raawwate jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef yoo ta'e, tumaaleen seera kanaa keewwata 90 irratti raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 330. Seeraan Ala Uffata Seeraa, Mallattoofi Badhaasa Raayyaa Ittisaa Uffachuu

Namni kamiyyuu osoo hin hayyamamiiniif uffattoota seeraa loltummaa, mallattoolee yookiin badhaasota uffatee yookiin keewwatee kan argame yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 331. Tarkaanfilee Eeggannoo Loltummaa Cabsuu

1. Namni Kamiyyuu wanta raayyaa ittisaaf barbaachisaa ta'e yookiin dambii, ajaja yookiin qajeelfama faayidaa loltummaa eeguuf mootummaan yookiin abbaan taayitaa siviilii yookiin loltummaa baase kan cabse yoo ta'e;

   seera kanaan tumaa biroon addatti kan adabamu yoo ta'e malee, hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba sadii hin caalleen ni adabama.

Keewwata 332. Ajajoonni Loltummaa Akka Caban Taasisuuf Nama Biroo Kakaasuu

1. Namni kamiyyuu ajajawwan loltummaa akka hin raawwatamne, naamusni akka hin kabajamne yookiin dirqamni loltummaa akka cabuuf ifatti ta'us, ta'uu baatus kan kakaase yoo ta'e,

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Namni kamiyyuu yakka kana raawwachuuf gartuu, sochii, yookiin walga'ii seeraan alaa kan gurmeesse yookiin garee sanatti, sochii sanatti yookiin walga'ii seeraan alaa sanarratti kan hirmaate yoo ta'e; yookiin karoora hojichaa keessa kan seene yookiin miseensa waldaa ta'uun hirmaataa kan ta'e yookiin gocha akkanaaf gumaacha kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaan, yookiin balaa gochi kun silaa qaqqabsiisu keessumattuu baay'ee olaanaa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

3. Yakkicha kan raawwate jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef yoo ta'e, tumaaleen seera kana keewwata 90 irratti raawwatamaa ni ta'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 333. Dhorkawwan Bakkeewwaniifi Mi'oota Loltummaa Murtaa'an Eeguuf Bahan Cabsuu

Namni kamiyyuu, hayyama malee yookiin karaa seeraan ala ta'een:

1. abbootii taayitaa loltummaatiin yookiin sababoota dhimma loltummaan namni akka hin geenye bakka loltummaa, iddoo hojii yookiin bakka biroo dhorkame kamiiniyyuu seenee kan argame yoo ta'e;

   hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. ibsa, pilaanii, saxaxa, suuraa yookiin fakkii biroo, iddoo hojii yookiin meeshaa yookiin mi'a biroo kamiyyuu bakka loltummaa, iddoo hojii, yookiin bakka biroo kana fakkaatan kamiyyuutti argamuun kan hojjete, kan fudhate, kan qopheesse, kan baay`ise, kan ifa baase yookiin nama biroof dabarsee kan kenne yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 334. Ajajawwan Yookiin Qajeelfamoota Waliigalaa Sobatti Jijjiiruu Yookiin Balleessuu

1. Tumaan keewwata 379 fi 381 akkuma eegametti ta'ee, namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) faayidaa yookiin fedhii lammiilee yookiin humnoota ittisaa, filannoo loltummaa yookiin tajaajilli loltummaa isaan ilaallatu ilaalchisee, ajaja kenname akaakuu kamiyyuu yookiin tajaajila loltummaaf miini akka dhihaatu ajaja kenname fakkeessee kan hojjete, yookiin gara sobaatti kan jijjiire, kan balleesse yookiin akka badu kan taasise yoo ta'e; yookiin
   (b) ajaja yookiin qajeelfama fakkaatee hojjetame yookiin sobatti jijjiirame kanatti kan tajaajilame yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin akka ulfaatina dubbichaatti hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 335. Yakkoota Raayyaa Ittisaafi Dirqamoota Loltummaa Irratti Raawwataman Beeksisuu Dhabuu

1. Namni kamiyyuu, yakki badiinsaa yookiin fincilli loltummaa qophaa'uu yookiin raawwatamuu isaa osoo beekuu, sababni humnaa ol ta'e osoo hin jiraatiin abbaa taayitaatti osoo hin beeksisiin kan hafe yookiin akka hin raawwatamne dhorkuuf yookiin yakkamtichi akka qabamu waan isaaf danda'amu kan hin taasifne yoo ta'e; Yakki badinsaa yookiin fincilaa yoo xinnaate kan yaalame yoo ta'e; hidhaa salphaan, dubbichi ulfaataa yommuu ta'u hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.
2. Dirqama yakka abbaa taayitaatti beeksisuu dhabuun yakka raawwatameef mirga iccitii ogummaa yookiin taayitaa akka ittisaatti dhiheeffachuun hin danda'amu. Yakkichi kan raawwatame yeroo waraanaatti yoo ta'e, walitti dhufeenya firooma dhiigaafi jaalalaa sababoota addaa adabbiin ittiin salphatu taasisanii dhiheeffachuun hin danda'amu /keewwata 83/.
3. Yakkoota ganuufi basaasuu beeksisuu dhabuun, bu'uura tumaa eegumsa nageenya biyyaafi humnoota ittisa biyyaa ilaalchisee seera kanaan tumameen ni adabsiisa /keewwata 254/.

Keewwata 336. Iccitii Loltummaa Ibsuu

1. Namni kamiyyuu, seera kana keewwata 248-252 jalatti kan tumamaniifi keessumattuu adabbii olaanaa kan hordofsiisan yakkoota ganuufi basaasuun ala, haala ta'een walumaagalatti ummata biratti ifatti kan hin beekamneefi sababa uumama isaaniitiin gatii guddaa kanneen qaban nama hin hayyamamneef yookiin ummataaf akka hin ibsamne iccitiin kan eegaman sanadoota yookiin odeeffannoowwan iccitii loltummaa qaban akaakuu kamiyyuu nama hin hayyamamneef yookiin ummataaf kan ibse yookiin kan dabarse yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneen ni adabama.

2. Yakkichi kan ilaallatu, keessumattuu sanadoota yookiin ragaalee eegaman yoo ta'e, yookiin yakkamtichi hojjetaa sanadoota kana sirriitti beeku yookiin akka isaan

www.abyssinialaw.com

eegu ramadame yookiin imaanaa fudhate yoo ta'e; yookiin yakkichi balaa cimaa yookiin addaa hordofsiisuu kan danda'u yoo ta'e;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii gadi hin taane ni ta'a.

3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi gocha keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameef hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle; keewwata xiqqaa (2) jalatti kan ibsameef immoo hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalle ni ta'a.

Keewwata 337. Odeeffannoo Sobaa Yookiin Burjaajjessaa

Namni kamiyyuu, loltoonni sochiirra yookiin hojii isaanii raawwachaa osoo jiranii, tarkaanfii eeggannoo faayidaa loltummaaf jedhamee ajajame gufachiisuuf yookiin dhorkuuf yookiin sochiilee yookiin karoorawwan waraanaa raayyaa ittisaa gufachiisuuf yookiin balaan gufachiisuu akka irra gahu taasisuuf; yookiin loltoonni naamusaan ala akka ta'an yookiin akka hin ajajamne kakaasuuf yookiin ummata gidduutti tasgabbii dhabuufi jeequmsi akka ka'u jajjabeessuuf; sirrii ta'uu dhabuu isaanii osoo beekuu itti yaadee oduulee sobaa kan tamsaase yookiin kan dabarse yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen; yookiin yakkichi ulfaataa yoo ta'u hidhaa cimaa hanga umurii guutuu gahuu danda'uun ni adabama.

Kutaa Sadi

Tumaalee Waliinii

Keewwata 338. Yeroo Balaa Yookiin Waraanaatti Haala Adabbiin Ittiin Cimu

1. Yakkoota kutaalee lamaan armaan olitti ibsaman keessaa tokko kan raawwatame miseensa raayyaa ittisaa hojii isaarra jirurratti yookiin humna ittisaa yookiin deeggersaa irratti yookiin faayidaalee loltummaa irratti ta'ee, yakkichi kan raawwatame mallattoon balaa yommuu kennametti, waraanni ittarii waliigalaa yommuu labsametti yookiin yeroo waraanaatti yoo ta'eefi tumaan addaa adabbicha cimsu biroo kan hin jirre yoo ta'e, manni murtichaa:
    (a) bakka hidhaa salphaa hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle;

www.abyssinialaw.com

(b) adabbichi hidhaa cimaa yommuu ta'etti, kutaa waliigalaa seera kanaatiin waa'ee hidhaa cimaa kan tumame fiixeen adabbii olaanaa akka eegameetti ta'ee, adabbii olaanaa tumame hanga dachaatti olkaasuun;

murteessuu ni danda'a; ta'us, yakka badiinsaa yookiin fincilaa yookiin karoora beeksisuu dhabuu /keewwata 335/ hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabsiisa.

2. Yakkichi dagannoon yoo raawwatameefi akka adabsiisu seerichaan tumamee yoo argame, manni murtichaa:
   (a) bakka hidhaa salphaa waggaa sadii hin caallee, adabbii hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalle;
   (b) bakka hidhaa salphaa waggaa shan hin caallee, adabbii hidhaa cimaa waggaa shanii hin caalle; murteessuu ni danda'a.
3. Manni murtichaa adabbii maallaqaa yommuu murteessu, bu'uura tumaa raawwatamaa ta'een adabbii maallaqaa seerichi tume hanga dachaatti murteessuu ni danda'a.

Keewwata 339. Yakkoota Jaalala Maallaqaatiin Raawwataman

Yakkoonni adabbii hidhaa cimaa hordofsiisan yommuu mudatan hunda, balleessichi yakkicha kan raawwate sababa jalaala maallaqaatiin yoo ta'e, akka cimina dubbichaafi hamma qabeenya yakkamtichaatti manni murtichaa adabbii hidhaa waliin adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle dabalee murteessuu ni danda'a.

Boqonnaa Sadi

Haalawwan Keewwattoota 284-337tti Tumaman Poolisii Irrattis Raawwatamoo Ta'uu Isaanii

Keewwata 340. Qajeeltoo Raawwii

Boqonnaa lamaan armaan olii keessatti yakkoota adabbii ni hordofsiisu jedhamanii ibsaman keessaa tokko kan raawwate miseensa poolisii yoo ta'e, yookiin yakkichi kan raawwatame miseensa poolisii hojiirra jiru irratti yoo ta'e; yakki kun tumaa

www.abyssinialaw.com

biroon kan adabsiisu yoo ta'e malee, tumaaleen boqonnaa lamaan armaan olii keessatti ibsaman raawwatamoo ni ta'u /keewwata 284-337/.

Keewwata 341. Haalawwan Addaa

Tumaaleen armaan olitti keewwata 284-337tti ibsaman yommuu miseensota poolisii irratti raawwatamaa ta'an, manni murtichaa hojiifi caaseffama addaa poolisii tilmaama keessa galchuu qaba.

Keewwata 342. Tumaaleen Hojjettoota Mootummaa Ilaallatan Poolisii Irratti Raawwatamoo Ta'uu Isaanii

1. Yakkoonni dhaabbata, dirqama tajaajilaafi nageenya poolisii irratti raawwataman, tumaalee armaan olitti tumaman irratti dabalataan seera kana keessatti tumaaleen hojjettoota mootummaa ilaallatan /keewwata402 hanga 426/ miseensota poolisii irratti raawwatamoo ni ta'u.
2. Gochi yakkichaa mata duree kana yookiin kitaaba arfaffaa keessatti tumaalee mata duree sadi jalatti, keessumattuu, dirqamoota tajaajilaa cabsuu /keewwata 293 yookiin 420/ seeraan ala faayidaa argachuu, seeraan ala balleessuu yookiin hojiilee haala mijjaawaa hin taaneen gaggeessuu /keewwata 306 fi 307 yookiin keewwata 407-419/; akkasumas iccitii hojii ibsuu /keewwata 336 yookiin keewwata 396 fi 397/ bu'uura tumaalee ibsamaniin adabsiisuu kan danda'u ta'ee yoo argame, manni murtichaa yakkichi amala loltummaa kan qabu yookiin hojjetaa mootummaa kan ilaallatu ta'uu isaa qorachuun tumaa roga qabeessa ta'ee argate raawwatamaa ni taasisa.

Mata Duree Afur

Yakkoota Faayidaalee Dinagdeefi Maallaqaa Mootummaa Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

www.abyssinialaw.com

Keewwata 343. Yakkoota Seerota Addaa Cabsuun Raawwataman

1. Qaama mootummaa bu'uura seeraatiin taayitaa qabuun miidhaa faayidaa maallaqaa yookiin dinagdee biyyaa irratti raawwatamu kamiyyuu to'achuuf yookiin ittisuuf Gaazexaa Nagaaritaa Federaalaa Yookiin Gaazeexaa Seeraa Mootummoota Naannoo irratti seera bahu darbuun yakki kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi bu'uura qajeeltoowwan seera yakkaa kanaan ibsamaniin ni murtaa'a.
2. Tumaalee dambii darbuun tumaman yookiin akaakuu kanaan kan hin ilaalamne amala dambii darbuu qaban kan ajajan yookiin kan dhorkan darbuun yakki yommuu raawwatamu yeroo kamiyyuu, miidhaan raawwatamuu yakkichaa hordofsiise qarshii kuma kudhan kan hin caalle yoo ta'e, adabbiin murtaa'u bu'uura tumaalee keewwattoota seera kanaa dambii darbuuf tumamaniin ni ta'a.

Keewwata 344. Akaakuufi Hamma Adabbiilee Yakkaa

1. Seeronni dhimmicha ilaallatan yakka seera yakkaa kanaan tumametti ifatti kan hin qajeelchine ta'anii yommuu argamanitti, manni murtichaa bu'uura tumaalee waliigalaafi daangaa adabbii idilee seera yakkaa kanaan hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni murteessa /keewwata 90-92,106 fi 107/.
2. Badichi ulfaataa ta'ee, yakkichis kan raawwatame maallaqa hedduun yookiin mi'a gatii olaanaa qabu irratti yoo ta'e yookiin seera kana keewwata 92n akka tumametti yakkamtichi yakkicha akka hojii isaa idilee taasifatee kan itti fayyadamu ta'ee yommuu argamu; manni murtichaa faayidaan gocha yakkichaan argame akka dhaalamu taasisuu irratti dabalataan balleessichi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle akka kaffalu murteessuu ni danda'a.
3. Ittisa, eegumsaafi dhorkaa akkasumas tarkaanfilee ibsaafi beeksisaa dabalataan murtaa'an tumaaleen waliigalaa ilaallatan kan fayyadan ta'uu isaanii manni murtichaa yommuu amanu dabalata taasisee murteessuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 345. Adabbiilee Dabalataa Ashuuraafi Gibiraa

Badii ashuuraafi gibirarra gahu ilaalchisee adabbiin gama yakkaan murtaa'u kamiyyuu, ashuuraafi gibirri yeroon kaffalamuu dhabuun adabbiilee bu'uura seera rogummaa qabuun murtaa'an hin hambisu.

Boqonnaa Lama

Tumaalee Addaa

Keewwata 346. Seeraan Ala Warqii, Maallaqa Callaafi Maallaqa Biyya Alaatiin Daldaluu

Namni kamiyyuu, yakkamaa maallaqarratti badii raawwatu adabuuf tumaa seera yakkaa /mata duree shanaffaa armaan gaditti argamu keessatti/ kan ibsameen ala haala murtaa'e tokkoon, daangaan, to'annoon yookiin eegumsa addaatiin hojiin daldalaa yookiin sharafaa ittiin hojjetamuufi warqii yookiin qabeenya biyyaa yookiin biyya alaa ta'e yookiin maallaqa biyya alaa kamiyyuu, hayyama osoo hin qabaatiin yookiin seera darbuun kan bite, biyya alaarraa kan fichisiise yookiin gara biyya alaatti kan erge, keessuu imaanaa ta'ee kan fuudhe, kan kaa'e, kan sharafe, kan gurgure yookiin gurgurtaaf kan dhiheesse yoo ta'e;

dambiin qabeenyaan inni yakka kana ittiin raawwate dhaaluu kan isarratti ragga'u ta'uun isaa osoo hin hafiin, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.

Keewwata 347. Seeraan Ala Albuudota Gatii Guddaa Qabaniin Daldaluu

Haala keewwata armaan olitti ibsameen namni kamiyyuu, karaa seeraan ala ta'een albuudota gatii guddaa qaban kan akka warqii, pilaatiiniyeemii, yuuraaniyeemiifi albuudota biroo kanneen kana fakkaatan, akkasumas dhagaalee gatii guddaa qaban eeguuf yookiin seeraan ala naannessuu to'achuuf seera bahe cabsuun yakka kan raawwate yoo ta'e;

adabbbiin armaan olitti keewwata 346 jalatti tumame irratti raawwatamaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 348. Gocha Dabaa Amansiisummaa Maallaqa Mootummaa Irratti Raawwatamu

Namni kamiyyuu, amansiisummaa faayinaansii mootummaa irratti miidhaa geessisuuf karoorafachuun yookiin gochichi miidhaa geessisuu akka danda'u osoo beekuu:

(a) sharafni maallaqaa biyyattii akka rakasu taasisuuf baankii irraa yookiin gara baankiitti galchuuf jaarmiyaalee biroo seeraan galchuuf dirqamni irra kaa'ame irraa maallaqni akka ba'u kan taasise yookiin kan kakaase yookiin sanadoota wabummaa yookiin sanadoota dirqamaa jimlaan gurguruun, gatiin isaanii akka gadi bu'u kan taasise yoo ta'e; yookiin

(b) maallaqaawwan, sanadoota wabummaa yookiin sanadoota dirqamaa kana namni biraa akka hin baasne yookiin isaanuma kana akka hin binne kan gufachiise yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama; yookiin yakkichi bu'aa hamaa kan hordofsiise yookiin kan hordofsiisu yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalleen ni adabama.

Keewwata 349. Ashuuraa Yookiin Gibira Mootummaa Karaa Seeraan Ala Ta'een Kaffaluu Diduu

1. Namni kamiyyuu, seeraan kan tumameefi abbaa taayitaa dhimmi ilaaluun kan murtaa'e ashuura yookiin taaksii akaakuu kamiyyuu lafarraa, qabeenyarraa yookiin galii addaddaarraa akaakuunis ta'e, maallaqaan kaffaluu qabu, akka kaffalu seeraan yommuu gaafatamu kaffaluu kan dide yoo ta'e;

   dirqamni gibira yookiin ashuura yookiin taaksii kamiyyuu kaffaluu isaa akkuma eegametti ta'ee, hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Diddaan isaa doorsisa, gocha humnaa, harka darbuu yookiin meeshaa waraanaatti tajaajilamuufi meeshaa kaasanii aggaamuu yookiin jeequmsa yookiin fincila kan

www.abyssinialaw.com

hordofsiise yoo ta'e, bu'uura tumaa dhimmicha ilaallatuun adabbiin tumame dabalataan irratti ni raawwatama /keewwata 85/.

Keewwata 350. Gibirri Akka Hin Kaffalamne Kakaasuu

1. Namni kamiyyuu, gochaan, kennaan, jechaan, doorsisaan, yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu namni biroo ashuura yookiin gibira seeraan tumame akka hin kaffalle kan kakaase yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokkoo hanga waggaa sadii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Sababa babal'ina gocha yakkichaatiin haalli isaa ulfaataa yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuufi adabbii maallaqaa ni ta'a.
   Yakkichi fincila kakaasuuf yookiin abbaa taayitaa tayitaarraa buusuuf kakaasuu yookiin kan kana fakkaatan tumaalee ciccimoo ilaallataniin kan gaafachiisu yoo ta'e, tumaa yakkoota dachaa ilaallatu rogummaa qabuun adabbichi ni cima /keewwata 85/.

Keewwata 351. Maddawwan Galii Mootummaa Irratti Miidhaa Geessisuu

1. Namni kamiyyuu gibira, ashuura yookiin kaffaltii biroo seeraan murtaa'eefi sanduuqa mootummaatti galii ta'uu qabu akaakuu kamiyyuu, gartokkeen yookiin guutuummaan ofiisaa yookiin nama biroo yookiin jaarmiyaa namummaa seeraa qabu akka hin kaffalle oolchuuf yaadee:
   (a) meeshaa yookiin kaappitaala yookiin galii ashuurri yookiin gibirri irratti murtaa'uu qabu ilaalchisee yookiin ashuuricha yookiin gibiricha murteessuuf haalawwan rogummaa qaban kamiyyuurratti osoo beekuu qaama mootummaa dhimmichi ilaallatuuf odeeffannoo sobaa kan kenne yoo ta'e; yookiin
   (b) tooftaa akaakuu biroo kamiiniyyuu qaamolee mootummaa dhimmuma kanaaf aangoon kennameef akka dogoggoran osoo beekuu dhugaa sobatti jijjiiruun, dubbicha dhoksuun yookiin galii sobaa yookiin herreega sobaa

www.abyssinialaw.com

qopheessuun yookiin gocha kana fakkaatan kamiiniyyuu kan dogoggorse yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen ni adabama.

2. Abbaan taayitaa yookiin hojjetaan kamiyyuu karaa hin taaneen, gibirri yookiin ashuurri akka hin kaffalamne yookiin akka hir'atu kan taasise yoo ta'e; seeraan ala aangootti fayyadamuun (keewwata 407) n gaafatamaa ni ta'a.
3. Balleessichi yakkicha kan raawwate yakkoota biroo, keessumattuu yakka gowwomsuu yookiin yakka sanada sobaa qopheessuu haalawwan hundeessaniin yoo ta'e, tumaaleen yakkoota kana ilaallatan dabalataan irratti ni raawwatamu /keewwata 85/.

Keewwata 352. Keellaa Cabsuu /Kontirobaandii/

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) mi'a daldalaa, qabeenya, mi'a adda addaa akaakuu kamiyyuu yookiin hojiin warshaa yookiin ogummaan harkaa oomishu wantoota akaakuu kamiyyuu ashuurri yookiin gibirri seeraan murtaa'e kan itti hin kaffalamne Itoophiyaa keessaa gara biyya alaatti kan baase yookiin biyya alaarraa gara Itoophiyaatti kan galche yoo ta'e;
   (b) karaa seeraa alaa keewwata xiqqaa qubee (a) jalatti ibsameen gara biyya keessaatti galuu isaa osoo beekuu mi'a yookiin qabeenya kana kan kuuse, gurgurtaaf kan dhiheesse yookiin kan bite yoo ta'e; yookiin
   (c) mi'oota yookiin oomishaalee biyya keessatti oomishamanii ashuuraan osoo itti hin kaffalamiin akka hin naannofne dhorkaman kan naannesse yoo ta'e;

   mirgi namoota yaada qajeelaan dhimmichaaf haaraa ta'anii osoo hin tuqamiin, mi'a, meeshaa yakki ittiin raawwatameefi bu'aa yakkichaa dhaaluu ilaalchisee dambiin tumame akkuma eegametti ta'ee, adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen yookiin hidhaa salphaan ni adabama /keewwata 140/.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkichi kan raawwatame humnaan, doorsisaan, waliin dhahuun, yookiin gareen yoo ta'e; mi'ichi dhaalamee hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabsiisa.
3. Gochoota dambii darbuu gumuruka keessatti yeroof qofa tasa raawwataman irratti adabbiin murtaa'u bu'uura tumaa dambii darbitootaaf tumameen ni ta'a /keewwata784/.

Keewwata 353. Yakkoota Dinagdee Biyyaafi Monoppola Mootummaa Irratti Raawwataman

1. Namni kamiyyuu, haalawwan armaan olitti addatti ibsaman yookiin dambii darbuun adabsiisaniin alatti /keewwata 784-790/:
    (a) mi'oota, oomishoota yookiin meeshaalee dhorkaman yookiin hayyamni yookiin to'annoon yookiin ashuura kaffaluun isaan barbaachisu; biyya alaa irraa fichisiisuu yookiin biyya alaatti erguu, kaa'uu, deddeebisuu; yookiin
    (b) bu'aa qabeenyaa lafa biyyaa irraa yookiin lafa keessaa argamutti fayyadamuu, humna elektirikaatti tajaajilamuu, bishaan, bosona yookiin qabeenya albuudaaleefi bu'aalee isaaniitti fayyadamuu; yookiin
    (c) bineeldota yookiin bu'aa isaaniitiin fayyadamuu yookiin bineeldota kana adamsuu yookiin ajjeesuu; yookiin
    (d) bosonoota, paarkotaafi iddoowwan eegaman, daangeeffaman keessa qubachuu yookiin gochoota biroo raawwachuu; yookiin
    (e) hojii hayyama mootummaa qofaan hundeeffame yookiin mootummaan monoppolaan kan to'atu; yookiin
    (f) caasaa baankii yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin keenniinsa konseshinii yookiin hojmaataafi to'annoo baankii, jaarmiyaalee daldaalaas ta'e industirii, warshaalee, baabura midhaanii yookiin hoteelota to'annoo mootummaa jala jiran yookiin dhaabbilee kamiyyuu ilaalchiisee tumaalee bahan itti yaadee kan cabse yoo ta'e;

gochichi tumaa addaa adabbii olaanaa murteessisu keessatti kan hin ibsamne yoo ta'e, yakkoota armaan olitti tarreeffaman raawwatee argamuu isaatiin qabeenyi yakki ittiin raawwatame kan dhaalamu, hayyamni daldalaafi waraqaaleen ragaa

www.abyssinialaw.com

hojii kan fudhatamu, hojii industirii isaa akka itti hin fufne kan dhorkamu, yookiin manni daldalaa isaa kan cufamu ta'uun isaa osoo hin hafiin; hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Namni kamiyyuu qabeenya jenetikaa walitti qabuu, geejjibuu, dabarsuu, biyyaa baasuu yookiin biyya keessa galchuu yookiin fayyadamuu ilaalchisee seera bahe kan cabse yoo ta`e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhanii hanga kuma soddomaa gahuu danda'uun ni adabama.

3. Namni kamiyyuu karaa faallaa seeraa ta'een bineeldota qushinaalee (mararfatamoo) kan adamse yookiin kan ajjeese yoo ta'e; yookiin bineeldota yookiin biqiltoota qushinaalee (mararfatamoo) yookiin bu'aa isaanii qabatee kan argame, kan walitti qabe, kan geejjibe, kan dabarse, yookiin biyyaa kan baase yoo ta'e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen; yookiin hidhaa cimaa waggaa kudha lama hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantamaa hanga qarshii kuma dhibba tokkoo gahuu dandahuun ni adabama.

4. Gochoota keewwata kanaan ibsaman keessaa tokko kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalle yookiin akka haala dubbichaafi akka cimina yakkichaatti hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle ni ta'a.

Keewwata 354. Haalawwan Yakkicha Cimsan

1. Mi'a dhorkame dabarsuu, bu'a hin malle argachuuf daldalli seeraan alaa yookiin kontrobaandiin raawwatame yookiin maallaqa tilmaama olaanaa qabu irratti yakka raawwatame yommuu ta'u yookiin yakkamtichi kan kana fakkaatan dabarsuufi seeraan dhorkame hojjechuu hojii ogummaa idilee isaa kan godhate yoo ta'e; adabbiin itti murtaa'u qabeenyi yakki ittiin raawwatame dhaalamuun isaa akkuma

www.abyssinialaw.com

eegametti ta'ee, adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba lama hin caalleefi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.

2. Yakki keewwata xiqqaa tokko jalatti ibsame kan raawwatame jaarmiyaa namummaan seeraa kennameefiin yoo ta'e; adabbiin seera kana keewwata 90 jalatti ibsame irratti raawwatamaa ni ta'a.

Mata Duree Shan

Yakkoota Maallaqoota, Sanadoota Dirqamaa Yookiin Wabummaa, Chaappawwan, Tambeerota Yookiin Meeshaalee Beekamoo Irratti Rawwataman

Keewwata 355. Tumaa Waliigalaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameef Ilaallatu

Mata duree kana jalatti, yakkoota tumaalee keewwata 356 hanga 374 tiin ibsaman irratti haalawwan seera kana keewwata 34 guutamanii yommuu argamanitti namoota dhuunfaa qofa osoo hin taane jaarmiyaan namummaan seeraa kennameefis yakkaan ni adabama.

Boqonnaa Tokko

Maallaqa, Sanadoota Dirqamaa Yookiin Wabummaa Sobaa

Keewwata 356. Hojjechuu

Namni kamiyyuu, Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti akka dhugaa taasisee naannessuuf yaaduun, maallaqoota, sanadoota dirqamaa yookiin wabummaa ittiin daldaluuf seera qabeessa ta'an hayyama malee kan hojjete yookiin fakkeessee kan hojjete yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 357. Sobatti Jijjiiruu

Namni kamiyyuu, maallaqa, sanadoota dirqamaa yookiin wabummaa ittiin daldalamu seera qabeessa ta'an gatii isaanii sirrii ta'ee ol gatii ta'een akka naanna'u taasisuuf yaaduun, bifa isaanii jijjiiruun, bifa isaanii sirrii irratti wanta biroo dabaluun, haalluu isaanii jijjiiruun yookiin tooftaa akaakuu biroon Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti gara sobaatti kan jijjiire yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 358. Gatii Gadi Buusuu

Namni kamiyyuu, Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti gatii isaa guutuu akka qabatetti kan ittiin daldalamu akka ta'u itti yaaduun makaanikaalaan, fizikaalaan, yookiin keemikaalaan yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu fayyadamee maallaqoota seera qabeessa ta'an gatiin isaanii akka gadi bu'u kan taasise yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 359. Biyyatti Galchuu, Biyyaa Baasuu, Qabachuu, Kaa'uufi Dhiheessuu

Namni kamiyyuu, maallaqoota, sanadoota dirqamaa yookiin wabummaa sobaa ta'an yookiin gatiin isaanii akka gadi bu'u taasifaman dhugummaa yookiin gatii isaanii guutuu akka qabatanitti fakkeessee ofii ittiin daldaluuf yookiin akka naanna'an taasisuuf yaaduun gara biyya keessaa kan galche, biyyaa kan baase yookiin kan qabate yookiin kan kaa'e yookiin kan dhiheesse yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 360. Tilmaama yaada Naannessuu

Yakkoota keewwata 356 hanga keewwata 359 jalatti ibsaman ilaalchisee gochoonni kan raawwataman naannessuuf yaaduun akka ta'eetti ni tilmaama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 361. Naannessuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee;
   (a) maallaqoota, sanada dirqamaa yookiin wabummaa sobaa yookiin sobatti jijjiiraman dhugaa fakkeessee yookiin gatii murtaa'eef caalaa akka qaban fakkeessee Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti kan naannesse yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.
   (b) maallaqoota gatiin isaanii hir'ifame gatii guutuu akka qaban fakkeessee akka naanna'an kan taasise yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Balleessichi maallaqicha, sanadicha dirqamaafi wabummaa amantaa dhugaadha jedhuun yookiin gatii isaa sirriin erga fuudhee booda kan sobaa ta'uu isaa yookiin gatiin isaa hir'achuu osoo beekuu kasaaraarraa ooluuf;
   (a) maallaqa, sanada dirqamaa yookiin wabummaa sobaa yookiin gara sobaatti jijjiirame dhugaa fakkeessuun kan naannesse yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

   (b) maallaqa gatiin isaa hir'ifame gatii guutuu akka qabu fakkeessuun kan naannesse yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 362. Haala Salphaa

Yakkoota keewwata 356 hanga keewwata 361 jala jaran ilaalchisee hammi maallaqichaa tilmaamni xiqqaan kan kennamuuf ta'uu isaatiin yakkichi salphaa yommuu ta'utti, adabbichi hidhaa salphaa ni ta'a.

Boqonnaa Lama

Chaappaawwan, Tambeerota, Mallattoolee, Madaalotaafi Safartuulee Beekamoo Sobatti Jijjiiruu

www.abyssinialaw.com

Keewwata 363. Chaappaawwan Mootummaa Sobatti Jijjiiruu Yookiin Seeraan Ala Itti Fayyadamuu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) dhimma hojii mootummaa qofaaf kan oolu chaappaa mootummaa yookiin qaamolee mootummaa keessaa kan tokkoo sobaatti kan jijjiire yookiin fakkeessee kan hojjete yookiin chaappaa sobaatti jijjiirametti yookiin fakkeeffamee hojjetametti kan tajaajilame yoo ta'e; yookiin
   (b) chaappaa dhugaan seeraan ala kan ittin hojjete yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Yakkichi faayidaa yookiin mirga biyyaa irratti miidhaa olaanaa kan geessise yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahu ni ta'a.

Keewwaa 364. Chaappaa Jaarmiyaalee Tajaajila Ummataa Yookiin Dhuunfaa Biroo Sobatti Jijjiiruufi Chaappaawwaniin Seeraan Ala Hojjechuu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) chaappaa jaarmiyaalee tajaajila ummataa yookiin dhuunfaa sobatti kan jijjiire yookiin chaappaa sobatti jijjiirameen kan tajaajilame; yookiin
   (b) chaappaa dhugaa ta'een seeraan ala kan hojjete yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi miidhaa olaanaa kan geessise yoo ta'e:

   hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uun ni adabsiisa.

Keewwata 365. Mallattoolee Beekamoo Sobatti Jijjiiruu

Namni kamiyyuu:

   (a) madda dhufaatii isaanii yookiin mallattoo addaa ifatti beekame yookiin mallattoo mirkaneessa qulqullinaa yookiin wabummaa, keessumattuu kan gumurukaa, yookiin kan dhimma mi'a deddeebisuu, yookiin kan warqii,

www.abyssinialaw.com

meetii yookiin albuudaalee gatii guddaa qaban biroo, yookiin kan mukaa, gogaa yookiin bu'aalee oomishoota biroo, mi'oota nyaataa, qorichootaa yookiin mi'oota eegumsa fayyaa ummataaf fayyadan kan ilaallatan yoo ta'e chaappaawwan, mallattoolee chaappaa boca baasuun hojjetaman yookiin mallattoolee addummaa biroo kamiyyuu yoo ta'aniyyuu, akka waan dhugaa ta'anii yookiin akka ittiin hin hojjetamne taasisee garmalee ittiin hojjechuuf yookiin namoonni biroo akka ittiin hojjetan yaaduun aangoo seeraa osoo hin qabaatiin kan hojjete, sobatti kan jijjiire yookiin fakkeessee kan hojjete yoo ta'e; yookiin

(b) mallattoolee sobatti jijjiiraman yookiin fakkeeffamanii hojjetaman akkanaa osoo beekuu, akka dhugaa ta'an yookiin akka ittiin hin hojjetamne fakkeessuun kan ittiin hojjete yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a sadii hanga waggaa shanii gahuu danda'uun ni adabama.

Keewwata 366. Tambeerota Beekamoo Gatii Qaban Sobatti Jijjiiruu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) akka dhugaa yookiin akka ittiin hin hojjetamne taasisuun ofiisaa ittiin hojjechuuf yookiin namoonni biroo akka ittiin hojjetan yaaduun tambeerota beekamoo gatii qaban keessumattuu waraqaalee tambeerummaa qaban, tambeerota poostaa, tambeerota maxxansaman mallattoo kaffaltii maallaqaa ta'an, aangoo seeraa osoo hin qabaatiin kan hojjete, sobatti kan jijjiire yookiin fakkeessee kan hojjete yoo ta'e; yookiin
   (b) tambeerota sanaan erga ittiin hojjetamee yookiin erga haqamaniin booda irra deebi'ee ittiin hojjechuuf yaaduun gatii akka qaban taasisee bifa fakkeessuu kan kenneef yoo ta'e;

   baay'ee yoo xiqqaate hidhaa salphaa ji'a sadiin yookiin badichi ulfaataa ta'ee yommuu tilmaamamu hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Badichi salphaa yommuu ta'u, keessumattuu tambeerota poostaa yookiin ashuuraa duraan ittiin hojjetame, sobatti kan jijjiiramaniin, soba kan ta'aniin yookiin kan

www.abyssinialaw.com

haqamaniin tasa kan tajaajilame yoo ta'e; manni murtichaa adabbii maallaqaa qofa murteessuu ni danda'a.

Keewwata 367. Ulfaatina Madaalaafi Safartuulee Sobatti Jijjiiruu

1. Namni kamiyyuu nama biroo gowwomsuuf yaaduun:
   (a) ulfaatina madaallii, madaalota, safartuulee yookiin meeshaalee biroo daldalaaf yookiin jijjiirraaf ramadaman kan sobaa taasisuun kan jijjiire yoo ta'e;
   (b) seerri kan hayyamuun ala mallattoolee addummaa to'annoofi mirkaneessa beekamoo wabummaa qaban yookiin mallattoolee addaddaa meeshaalee kana irratti kan maxxanse yookiin mallattoolee addummaa kanneen fakkeessee kan hojjete yoo ta'e; yookiin
   (c) meeshaalee sobaa yookiin sobatti jijjiiraman kanneeniin itti yaadee kan hojjete yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Badichi salphaa yommuu ta'etti, manni murtichaa hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalle yookiin adabbii maallaqaa murteessuu ni danda'a.

Keewwata 368. Biyyaa Baasuu, Biyya Keessatti Galchuu, Bituu, Imaanaan Kaa'uufi Dhiheessuu

Namni kamiyyuu, soba ta'uu isaanii yookiin sobatti jijjiiramuu isaanii osoo beekuu itti yaadee chaappaawwan, tambeerota, waraqaalee tembeerummaa qaban, mallattoolee, ulfaatina madaallii yookiin safartuulee beekamoo biyyaa kan baase, biyya keessatti kan galche, kan bite, harka isaatti kan galfate yookiin imaanaan kaa'uuf kan fuudhe, kan gurgure yookiin gurgurtaaf yookiin kennaaf kan dhiheesse yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin yookiin dhimmichi ulfaataa yommuu ta'utti hidhaa cimaa waggaa lama hin caalleen ni adabama.

Boqonnaa sadi

Tumaalee Waliinii

www.abyssinialaw.com

Keewwata 369. Yaada Gowwomsuu Osoo Hin Qabaatiin Fakkeessanii Hojjechuu

1. Namni kamiyyuu yaada gowwomsuu osoo hin qabaatiin:
   (a) maallaqoota, maallaqa waraqaa baankii, sanadoota dirqamaa yookiin wabummaa, tambeerota gatii qaban beekamoo yookiin tambeerota poostaa fakkeessuun kan hojjete, keessumattuu beeksisaan fakkeessee kan baase yookiin fakkaataa taasisee akka naanna'an taasisuuf yaaduun balaa dogoggorsuu kan uumu yookiin uumuuf kan danda'u ta'ee kan argame yoo ta'e; yookiin
   (b) wantoota fakkaatanii yookiin fakkeeffamanii hojjetaman akkanaa biyyatti kan galche, biyya alaatti kan baase, imaanaan kan fuudhe, gurgurtaaf yookiin kennaaf kan dhiheesse yookiin akka naanna'an kan taasise yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin, yookiin keessumattuu haalli isaa dogoggorsuuf yookiin gowwomsuuf kan yaaddessu yommuu ta'etti, hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

2. Baay`isuun kaayyoo hojii saayinsawaa beekamaaf yookiin odeeffannoof yoo ta'e; yakka hin ta'u.

Keewwata 370. Maallaqa, Sanadoota Dirqamaa yookiin Wabummaa Yookiin Mallattoolee Beekamoo, Tambeerota Yookiin Chaappaawwan Irratti Balaa Geessisuu

Namni kamiyyuu, abbaan taayitaa yookiin dhaabbanni dhimmichi ilaallatu ifatti osoo isa hin ajajiin yookiin hin hayyaminiif:

(a) maallaqaaf, sanadoota dirqamaa yookiin wabummaaf, mallattoolee addummaa beekamoof, tambeerotaaf, chaappaawwan /tiitaroota/ abbaa taayitaa yookiin chaappaawwan maxxansuuf yookiin hojjechuuf kan tajaajilan meeshaalee, unkaalee, kan ittiin danaa (boca) baasan, waraqaalee, moodelota yookiin mi'oota yookiin meeshaalee akaakuu biroo kamiiniyyuu kan hojjete, harka isaa akka seenu kan taasise, gara biyyaa

www.abyssinialaw.com

kan galche, gara biyya alaatti kan baase, nama biroof kan dhiheesse yookiin dabarsee kan kenne yoo ta'e; yookiin

(b) maallaqoonni, sanadoonni dirqamaa yookiin wabummaa, mallattooleen beekamoo, tambeeronni, chaappaawwan /tiitaroonni/ abbaa taayitaa yookiin chaappaawwan akka hojjetaman yookiin akka maxxansaman ajajoota kennaman kan fudhate, kan raawwate, kan raawwachiise, dabarsee kan kenne yookiin namni biroo dabarsee akka kennu kan taasise yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 371. Meeshaaleefi Malawwan Wantoota Sobaa Hojjechuuf Tajaajilan

1. Namni kamiyyuu, karaa seeraan alaa ittiin hojjechuuf yaaduun maallaqoota, sanadoota dirqamaa yookiin wabummaa, mallattoolee beekamoo, tambeerota, chaappaawwan (tiitaroota) abbaa taayitaa, yookiin chaappaawwan sobatti jijjiiruuf yookiin fakkeessanii hojjechuuf kan tajaajilan meeshaalee, unkaalee, kan ittiin boca (danaa) baasan, waraqaalee, albuudota, yookiin wantoota biroo kan hojjete, harka isaa kan galfate, kan qabate yookiin kan biroof kan kenne yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Ta'us, meeshaaleefi malawwan maallaqoota biyyoolessaa, chaappaawwan mootummaa yookiin kan abbaa taayitaa mootummaa soba taasisee yookiin fakkeessee hojjechuuf kan tajaajilan ta'anii yommuu argaman, adabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.

Keewwata 372. Sababoota Adabbii Salphisan

1. Yakkoota mata duree kanaan armaan olitti ibsaman keessaa isa tokko nama raawwate irratti manni murtichaa haala addaatiin adabbii salphisuuf /keewwata180/ kan danda'u yookiin haalawwan addaa yommuu mudatan adabbii kamirraayyuu bilisa taasisuu kan danda'u:

   (a) meeshaalee yookiin malawwan sobatti jijjiiruuf tajaajilan hojirra ooluu isaaniin dura fedhii ofiitiin kan balleesse yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

(b) yakkichi abbootii taayitaa biratti beekamuu isaatiin duratti ummata keessa akka hin naannoofne, akka hin tajaajille yookiin balaa akka hin geessisne kan dhorke yoo ta'e; yookiin

(c) yakkichi raawwatamuu isaa yookiin qophaa'uu isaa kan ibse yookiin balleessichi haqatti akka dhihaatu kan taasise yoo ta'edha.

2. Balleessichi sababa gochaawwan armaan olitti ibsamaniin adabbiin itti murtaa'us murtaa'uu baatus, gara fuulduraatti balaa qaqqabsiisuu ni danda'a jedhamee kan shakkamu yoo ta'e wabummaa mirkaneessa amala gaarii akka kennu /keewwata 135/ yookiin akka barbaachisummaa isaatti bilisummaan dhuunfaa isaa akka hir'atu /keewwata 145-150/ manni murtichaa ajajuu ni danda'a.
3. Boqonnaa lamaan armaan ol jiraniin akka ibsametti yakki wanta sobaa hojjechuu sobatti jijjiiruu, gatii isaa gadi buusuu yookiin maallaqa sobaa hojjechuu baay`ee salphaa yoo ta'e, yookiin faayidaa mootummaa yookiin kan waliigalaa irratti balaa olaanaa tokkollee kan hin geessisne ta'uun isaa yoo tilmaamame manni murtichaa bu'uura adabbii salphisuu idileetiin /keewwata 179/ adabbicha ni salphisaaf.

Keewwata 373. Sababoota Addaa Adabbii Cimsan

Dambiileen adabbii cimsan kanneen kutaa waliigalaa seera kanaa keessatti ibsaman /keewwata 84(1) (d)/ fi dambiilee dhaaluu /keewwata 140/ akkuma eegamanitti ta'ee, yakkichi miira jaalala maallaqaatiin yommuu raawwatametti adabbichi maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko kan hin caalle ni ta'a.

Yakki maallaqa sobaa hojjechuu kan raawwatame yoo ta'e, adabbichi maallaqaa qarshii kuma dhibba shaniifi kuma shantama kan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 374. Faayidaalee Mootummoota Biyya Alaa Eeguu

Maallaqoota biyya alaa, sanadoota dirqamaa yookiin wabummaa, maallaqa waraqaa baankii, chaappaawwan, tambeerota, mallattoolee, ulfaatina madaallii yookiin safartuulee beekamoo ilaalchisee yakkoota addaddaa Itoophiyaa keessatti raawwataman irratti tumaaleen mata duree kanaa rawwatamoo kan ta'an, dhimma akkanaaf walta'iinsi addunyaalessaa taasifamee yommuu jiraatu yookiin dugdabaasiin faayidaa waliinii irratti hundeeffame yommuu jiraatudha.

www.abyssinialaw.com

Kitaaba Afraffaa

Yakkoota Faayidaalee Ummataafi Jireenya Hawaasummaa Irratti Raawwataman

Mata Duree Tokko

Yakkoota Amantaa Ummataa Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Sanadoota Sobaa Uumuu, Sanadoota sobatti Jijjiiruufi Balleessuu

Keewwata 375. Soba Qabatamaan Raawwatamu

Namni kamiyyuu mirga yookiin faayidaa nama biroo miidhuuf, yookiin mirga yookiin faayidaa hin malle kamiyyuu ofiif argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun:

(a) falmiileen seeraa yommuu adeemsifaman ragummaan kan dhihaatan, ijoo dubbii tokko mirkaneessuu kan dandeessisan yookiin kan mirkaneessan kan fakkaatan kanneen akka barreeffamaa, sanadoota biroo yookiin wantoota qabatamoo fakkaatan kan uume yoo ta'e;yookiin

(b) sanada sobaa qopheessuuf mallattoo qubaa nama birootiin, mallattoo qubeessaatiin, mallattoon yookiin chaappaan kan fayyadame yoo ta'e;

(c) barreeffama dhugaa jijjiiruun yookiin laaquun mallattoo sobaan, mallattoo harkaan taasifame yookiin mallattoo qubaan, chaappaan, yookiin taayitaa yookiin dandeettii hin qabne akka qabu fakkeessee mallatteessuun sanada sobaa kan uume yoo ta'e; yookiin

(d) sanada tokko, keessumattuu maqaa yookiin mallattoo nama mallatteessee yookiin qabiyyee, lakkoofsa, ijoo dubbii yookiin ibsa tarreeffamaa sanadichaa guutummaan yookiin gartokkeen jijjiiruun, fooyyessuun, hir'isuun yookiin dabaluun yookiin balleessuun sobatti kan jijjiire yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen, yookiin dubbichi baay'ee ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 376. Soba Haala Dhokataa Ta'een Raawwatamu

Namni kamiyyuu yaada yakkaa armaan olitti keewwata 375 jalatti ibsameen ka'uun sanadni tokko yommuu qophaa'utti, bu'aa seera qabeessa kan qabu yookiin qabaachuu danda'u ijoo dubbii sobaa kamiyyuu kan galche yookiin akka galu kan taasise yoo ta'e;

bu'uura armaan olitti keewwata 375 jalatti tumameen ni adabama.

Keewwata 377. Haalawwan Addaa

Namni kamiyyuu yaada yakkaa armaan olitti keewwata 375 jalatti ibsameen ka'uun:

(a) qabiyyee sanada tokkoo ilaalchisee dogoggorsuun namni biroo sanada biroo yookiin sanada qabiyyee biroo qabu irratti kan mallatteesse itti fakkaatee akka dogoggoru kan taasise yoo ta'e; yookiin
(b) maqaa nama hayyama isaa hin taaneen yookiin hin jirreen sanada kan kenne yoo ta'e;

adabbiin armaan olitti keewwata 375 jalatti tumameen ni adabama.

Keewwata 378. Sanada Sobaatiin Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu sanada sobaan qophaa'een yookiin sobatti jijjiirameen osoo beekuu kan itti tajaajilame yoo ta'e; adabbii armaan olitti keewwata 375 jalatti tumameen ni adabama.

Keewwata 379. Sanadoota Mootummaa Yookiin Loltummaa Fakkeessanii Qopheessuu Yookiin Sobatti Jijjiiruu

1. Boqonnaa kana keessatti armaan olitti yakkoota ibsaman keessaa tokko kan raawwatame:

www.abyssinialaw.com

(a) galmee mootummaa tokko, sanada beekamaa yookiin sanada faayidaa ummataa ilaallatu irratti yoo ta'e; yookiin

(b) sanada galmee mootummaa yookiin ummataatti galmaa'e yookiin dhaamoo namni du'e ofiisaa harka isaatiin barreesse irratti yoo ta'e; yookiin

(c) sanada ittisa biyyaa, yookiin caasaa, jaarmiyaa, raawwii hojii yookiin dhimma raayyaa ittisaa ilaallatu irratti yoo ta'e;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.

2. Yakkichi kan raawwatame hojjetaa mootummaa galmeewwan, barreeffamoota, sanadoota beekamoo yookiin sanadoota biroo kana fakkaatan akka qopheessu, akka galmeessu, akka eegu, yookiin isaan kana keessaa waraabbii akka kennu itti gaafatamummaan kennameefiin yoo ta'e;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahu ni ta'a.

Raawwiin yakkichaa baay'ee ulfaataa yommuu ta'etti adabbichi hidhaa cimaa umurii guutuu ni ta'a.

Keewwata 380. Sanadoota Balleessuu

1. Namni kamiyyuu, yaada yakkaa keewwata 375 jalatti ibsameen ka'ee sanada nama biroo irratti ajajuu hin dandeenye irratti miidhaan akka qaqqabu kan taasise, kan tarsaase kan balleesse, faayidaa irra akka hin oolle kan taasise, yookiin kan fudhate yoo ta'e;

dubbichi salphaa yoo ta'e hidhaa salphaa waggaa lama hin caalleen, dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Balleessichi yakkicha kan raawwate miseensa maatii isaa, fira dhihoo isaa yookiin nama isa waliin faayidaan yookiin jaalalaan walitti hidhame yookiin isa waliin jiraatu irratti yoo ta'e; adabamuu kan danda'u iyyannoon dhuunfaan yoo dhihaatedha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 381. Sanadoota Mootummaa Yookiin Loltummaa Balleessuu

1. Yakki armaan olitti keewwata 380 jalatti ibsame kan raawwatame sanadoota mootummaa yookiin ummataa yookiin loltummaa irraatti yoo ta'e adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalledha.
2. Yakkichi kan raawwatame hojjetaa mootummaa sanada akkanaa akka qopheessu, akka galmeessu, akka eegu yookiin akka kennu itti gaafatamummaan kennameefiin yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa digdamii shan hin caalledha.

   Haalli raawwii yakkichaa baay'ee ulfaataa yeroo ta'etti adabbichi hidhaa cimaa umurii guutuu ni ta'a.

3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e adabbichi hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 382. Sanadoota Daldalaa Yookiin Wabummaa Daddarboo Sobatti Jijjiiruufi Balleessuu

1. Yakki sanada sobatti jijjiiruu yookiin kanumaan tajaajilamuu yookiin namni biroo akka itti tajaajilamu taasisuu kan raawwatame waraqaa maallaqni ittiin ergamu (hawaalaa), cheekiin, sanada waadaa, buukii baankiin yookiin sanada baankiif ittiin dabarsan, kaardii ittiin daldalamu yokiin sanada jaarmiyaa maallaqa kaa'u yookiin liqeessu keessatti argamu yookiin sanada aksiyoonaa irratti yoo ta'e adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
2. Gochi keewwata 380 jalatti ibsame sanadoota yookiin ragoota kanneen irratti kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
3. Gochi Keewwata 380 jalatti ibsame sanadoota yookiin ragoota kanneen irratti kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 383. Barreeffama Akka Haadhootti Lakkaa'amu Yookiin Waraabbii Sirrii

Gochi sobatti jijjiiruu yookiin balleessuu waraabbii sirrii bakka sanadicha haadhoo ta'anii yookiin waraabbii sirrii akka sanada haadhootti akka lakkaa'amu mirkanaa'e irratti kan raawwatamu bu'uura seerichaatiin tumaalee boqonnaa kanaa rogummaa qabaniin ni adabsiisa.

Keewwata 384. Waraqaalee Tajaajila Geejjiba Ummataafi Waraqaalee Geejjibaa Sobatti Jijjiiruufi Isaanuma Kanatti Tajaajilamuu

1. Namni kamiyyuu mirga yookiin faayidaa maallaqaa nama biroo irratti miidhaa geessisuuf yookiin faayidaa hin malle argachuuf yookiin argachiisuuf yaaduun:
   (a) waraqaalee geejjibaa, tikeetota yookiin sanadoota geejjibaa namoonni, beelladoonni yookiin mi'oonni yookiin shaqanni lafarra, galaanarra, yookiin qilleensarra ittiin deddeebi'an aangoo seeraa osoo hin qabaatiin kan hojjete yookiin sobatti kan jijjiire yookiin fakkeessee kan hojjete yoo ta'e; yookiin
   (b) dhugaa kan ta'an tikeetota, nagaheewwan yookiin sanadoota geejjibaa, isaanumti kun erga tajaajilanii, haqamanii yookiin uramanii booda irra deebiin itti fayyadamuuf yookiin namni biroo akka itti tajaajilamu taasisuuf bifa tikeetii, nagahee yookiin sanada geejjibaa dhugaa kan kenneef yoo ta'e;

   hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Namni kamiyyuu, osoo beekuu tikeetota, nagaheewwan yookiin sanadoota geejjibaa sobatti jijjiiraman yookiin tajaajila kennan akka dhugaa taasisee kan itti tajaajilame yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin, yookiin akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Boqonnaa Lama

Soba Waraqaalee Ragaa Irratti Raawwatamu

Keewwata 385. Waraqaalee Ragaa Sobaa

1. Namni kamiyyuu faayidaa yookiin fooyya'insa argachuuf yookiin argachiisuuf yaaduun:
   (a) barreeffamoota mirga argamsiisuu dandaa'an, ragaalee haala dhuunfaa ibsan yookiin waraqaalee ragaa yookiin sanadoota mirkaneessa ragaa dhimma akaakuu kamiiniyyuu illaallatan sobatti kan jijjiire yookiin fakkeessee kan hojjete yookiin osoo beekuu sanada kana fakkaatanitti nama biroof akka itti tajaajilamuuf kan kenne yoo ta'e; yookiin
   (b) sanada sobatti jijjiirame yookiin fakkeeffamee hojjetame yookiin sanada dhugaa tajaajila isaaf hin yaadamne yookiin isa kan hin ilaallanne osoo beekuu kan itti tajaajilame yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

   Sanadni kun dhimma dhuunfaa kan qabate yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabsiisa; yookiin sanadichi amala ummatummaa kan qabu ta'ee, kan akka waraqaa eenyummaa yookiin waraqaa ragaa dhalootaa yookiin ragaa mirkaneessa hiyyummaa, amala gaarii, gahumsa yookiin gahumsa dhabuu yookiin waraabbii galmee ummataa yookiin to'annaa yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taane ni ta'a.
2. Yakkichi kan raawwatame hojjetaa mootummaa sanadoota kanneen fakkaatan akka qopheessu, akka kaa'u, akka eegu yookiin akka kennu itti gaafatamummaan kennameefiin yoo ta'eefi yakka kana kan raawwate mirga nama biroo irratti miidhaa geessisuuf osoo hin yaadiin yoo ta'e /keewwata 375/; adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa shanii gahuun yookiin adabbii maallaqaatiin, yookiin lamaaniinuu ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabichi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalledha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 386. Ragaa Ofiiseelawaa Soba Ta'e Waliin Dhahuun Argachuu

Namni kamiyyuu faayidaa yookiin fooyya'iinsa argachuuf yookiin argachiisuuf yaaduun:

(a) hojjetaa mootummaa yookiin nama ijoo dubbii bu'aa seeraa qabu mirkaneessuuf yookiin hundeessuuf aangoon kennameef kamiyyuu gowwomsuun, sirrummaa guyyaafi baraa, ragaa, mallattoo yookiin waraabbii tokko yookiin ijoo dubbii kana fakkaatu kamiiniyyuu sobaan akka mirkaneessu kan sossobe yoo ta'e; yookiin

(b) nama biroo dogoggorsuuf osoo beekuu sanada akkanaan kan tajaajilame yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 387. Waraqaa Ragaa Yaalaa Sobaa

1. Hakiimiin, hakiimiin ilkaanii, carreessaan qorichaa (farmaasistiin), hakiimiin beelladaa, deessiftuun kamiyyuu yookiin ogummaa hakiimummaa isaatiin yaala ilaalchisee waraqaa ragaa kennuuf mirga kan qabu namni biroo kamiyyuu waraqaan ragaa hojiirra akka oolu osoo beekuu, nama fudhatu sanaaf faayidaa hin malle argachiisuu kan danda'u yookiin faayidaa seera qabeessa nama biroo kan miidhu waraqaa ragaa yaalaa sobaa qopheessee barreessee kan kenne yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama. Yakkichi yommuu irradeddeebi'ametti hojii ogummaa isaa ilaalchisee adabbiin dabalataa murtaa'u kan ragga'e ni ta'a /keewwata 123 (c)/.

2. Waraqaa ragaa yaalaa sobaa kennuun kan raawwatame kennaan, abdii kennaatiin yookiin faayidaa biroon yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalle ni ta'a.
3. Waraqaa ragaa yaalaa sobaa kan qopheesse hojjetaa mootummaa ta'ee yakkicha kan raawwate aangoodhuma isaa ofiiseelawaa kanaan yoo ta'e; adabbichi yakka keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameef hidhaa salphaa waggaa sadii gadi hin taane, yookiin dubbbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle,

www.abyssinialaw.com

yakka keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsameef hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle ni ta'a.

4. Namni kamiyyuu waraqaa ragaa sobaan qophaa'e ta'uu isaa osoo beekuu nama biroo gowwomsuuf kan itti tajaajilame yoo ta'e; adabbii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen ni adabama.

Keewwata 388. Yakkoota Dachaa

Namni kamiyyuu waraqaa ragaa sobaa, jecha ragummaa sobaa yookiin waraqaa ragaa sirrii kan isa hin ilaallanne yookiin akka inni itti tajaajilamu hin yaadamne argatee itti yaadee kanumatti fayyadamuun yakka dabalataa raawwachuuf kan itti tajaajilame yoo ta'e; keessumattuu yakka amantaa hir'isuu yookiin gowwomsuu ta'ee, yakkichi yoo xiqqaate kan yaalame yoo ta'e;

manni murtichaa tumaalee adabbiin yakkoota dachaa ittiin cimu /keewwata 66/ hordofuun adabbicha ni murteessa.

Keewwata 389. Kenniinsaafi Galmeessa Jecha Sobaa

1. Hojjechiisaan, abbaan yookiin hojgaggeessaan hoteelaa yookiin mana ciisichaa kamiyyuu yookiin to'annaa abbaa taayitaaf akka ta'u tarreeffama namoota dhuunfaa yookiin gochoota akka galmeessu bu'uura seeraatiin dirqamni kan irra kaa'ame namni biroo kamiyyuu; itti yaadee:
   (a) maqaa namaa, guyyaafi bara, yookiin ibsa namaa yookiin mi'aa dhugaa hin taane kan galmeesse, kan galmeessise, yookiin akka galmaa'u kan hayyame yoo ta'e; yookiin
   (b) bu'uura haala dhugummaa isaatiin osoo hin galmeessiin yookiin akka galmaa'u osoo hin taasisiin kan hafe yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Balleessichi yakkicha kan raawwate fedhii faayidaatiin yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 390. Meeshaaleefi Malawwan Hojii Sobaa Raawwachuuf Tajaajilan

1. Namni kamiyyuu karaa seeraan ala ta'een itti tajaajilamuuf yaaduun barreeffamoota ofiiseelawaa, waraqaalee ragaa, dippiloomota yookiin sanadoota, sobatti jijjiiruuf yookiin sobaan uumuuf meeshaaleefi malawwan yookiin wantoota qabatamaa kan hojjete, harkatti kan galfate, kan qabate, kan kenne, yookiin gurgurtaaf yookiin kennaaf kan dhiheesse yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Balleessichi meeshaalee, malawwan, yookiin wantoota qabatamaa, akaakuu akkanaa tajaajila akaakuu kamiifuu ooluu isaaniin dura fedhii bilisaa ofiisaatiin kan balleesse yoo ta'e adabbii kamiyyuurraa bilisa ni ta'a.

Boqonnaa Sadi

Mi'oota Sobatti jijjiiruu

Keewwata 391. Mi'oota Sobatti Jijjiiruufi Qulqullina Isaanii Gadi Buusuu

Namni kamiyyuu nama biroo gowwomsuuf yaaduun mi'oota daldalaa sobatti kan jijjiire, fakkeessee kan hojjete yookiin qulqullina isaanii kan gadi buuse yookiin gara birootti kan jijjiire yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 392. Naannessuu

1. Namni kamiyyuu nama biroo gowwomsuuf yaadee mi'oota daldalaa sobatti jijjiiraman, fakkeffamanii hojjetaman yookiin kan qulqullinni isaanii gadi bu'e yookiin kanneen gara birootti jijjiiraman akka dhugaatti, akka hin jijjiiramnetti, yookiin hir'ina homaa kan hin qabne fakkeessuun gurgurtaaf kan dhiheesse, kan gurgure harka ummataatti akka nanaanna'an kan taasise yoo ta'e;

   adabbii armaan olitti keewwata 391 jalatti tumameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkichi dagannoon yommuu raawwatamu adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen kan adabsiisu haalli isaa baay'ee cimaa ta'ee raawwatichi eeggannoo addaa taasisuuf itti gaafatamummaa kan qabu yoo ta'e, keessumattuu sababa daldaltummaa isaatiin eeggannoo akaakuu akkasii raawwachuun kan isarraa eegamu ta'ee yoo argamedha.

Keewwata 393. Mi'oota Biyya Keessatti Galchuu, Biyya Alaatti Erguu, Harkatti Galfachuufi Kuusuu

Namni kamiyyuu nama biroo gowwomsuuf yaaduun yookiin gowwomsaaf kan yaadame ta'uu isaa osoo beekuu mi'oota daldalaa sobatti jijjiiraman yookiin soba kan ta'an yookiin kan manca'an yookiin qulqullinni isaanii kan gadi bu'e biyya keessatti kan galche, biyya alaatti kan erge, harkatti kan galfate yookiin kan kuuse yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 394. Adabbii Cimsuufi Adabbiilee Dabalataa

1. Raawwatichi yakkoota armaan olitti ibsaman ogummaa isaa godhatee kan qabate yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uufi akka ulfaatina dubbichaatti adabbii maallaqaa qarshii kuma shanii gadi hin taaneen ni adabama.
2. Tumaaleen mi'oota dhaaluufi murtii ibsuu yeroo kamiyyuu akkuma eegamanittidha.

Keewwata 395. Haala Fayyaa Miidhuun Mi'a Daldalaa Sobatti Jijjiiruufi Qulqullina Isaa Gadi Buusuu

Nyaatawwan, shaqaxootaafi mi'oota daldalaa fayyaaf balaa ta'an yookiin kan badan (saman), fayyaa miidhuu danda'an, hojjechuu, qulqullina isaanii gadi buusuufi gurguruu tumaaleen ilaallatan rogummaa yommuu qabaatanitti raawwatamoo ta'uun isaanii akkuma eegamettidha /keewwata 527/.

www.abyssinialaw.com

Mata Duree Lama

Iccitii Faayidaa Ummataa Ilaallatu Ibsuu

Keewwata 396. Iccitii Loltummaa Ibsuu

1. Loltuun yookiin namni tajaajila humna ittisaa keessatti argamu kamiyyuu, ganuufi basaasuu ilaalchisee haalawwan adabsiisan /keewwata 248-252/ ala sababa hojii yookiin dirqama loltummaa isaatiin kan beeke ta'ee, odeeffannoo, sanada yookiin ijoo dubbii amala isaatiin iccitii kan ta'e yookiin iccitii ta'ee akka eegamu kan ajajame yookiin ummataaf akka hin ibsamne kan dhorkame kan ibse yookiin kan dabarse yoo ta'e;

   hojichi yookiin dirqamichi erga xumurameen booda yoo ta'ellee, hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

2. Adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle kan ta'u:
   (a) yakkichi kan ilaallatu odeeffannoo yookiin sanada lakkaddaa iccitiin (lakkoofsaan) qabame yoo ta'e; yookiin raawwatichi icciticha akka eeguuf ifatti imaanaan kan itti kenname yookiin icciticha akka hin ibsineef kakuu waadaa kan kenne yoo ta'e; yookiin
   (b) yakkichi faayidaa adda ta'e irratti miidhaa kan geessise yoo ta'edha.
3. Yakkichi dagannoon kan raawwatame yoo ta'e, yakka salphaa armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameef adabbiin isaa hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle yookiin adabbii maallaqaa, yakka cimaa keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsameef immoo hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalle ni ta'a.

Keewwata 397. Iccitii Hojii Ibsuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu /keewwata 402/ bu'uura tumaa keewwata 396 jalatti ibsameen iccitii ta'ee eegamuu kan qabuufi sababa hojii isaatiin sanadoota, odeeffannoo yookiin ijoo dubbii beeke kamiyyuu, hojii yookiin muudama isaa erga gadi lakkisee boodallee kan ibse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Balleessichi dirqama yookiin imaanaan iccitii eeguu addaa kan itti kenname yookiin keessumattuu yakkichi miidhaa olaanaa kan qaqqabsiise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi yakka salphaa keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameef adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalle yookiin hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle; yakka keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsameef immoo hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalle ni ta'a.

Keewwata 398. Iccitii Akka Ibsamu Hayyamame

Faayidaa ummataaf jedhamee abbaa taayitaa siviilii, bulchiinsaa yookiin loltummaa dhimmi ilaallatuun barreeffamaan hayyamni erga kennamee booda mana murtiitti yookiin mana murtii qorannoo taasisuuf aangoo qabu kamiyyuu duratti iccitiin ibsame hin adabsiisu.

Keewwata 399. Iccitii Sababa Ogummaan Yookiin Hojiin Beekame Ibsuu

1. Tajaajilaan amantaa, gorsaan seeraa, abukkaattoon, dubbifixaan (attorney), jaarsolee murtii (arbtirators), jaarsolee araaraa, ogeessa addaa (expert), naqaashii (immaanyii), turjumaana, qaama waliigalteen biratti raawwatu (notaries), daarikteera jaarmiyaa dhuunfaa, gaggeessaa hojii, to'ataa, yookiin bu'uura tumaalee seera hariiroo hawaasaa yookiin daldaalaatiin hojjetaan iccitii akka eegu dirqamni irra jiru hakiima, hakiima ilkaanii, carreessaa qorichaa (pharmacist), deessistuu, narsii yookiin hojjetaa yaalaa gargaaraa biroo yookiin kan biroo kamiyyuu sababa ogummaa yookiin hojii isaatiin iccitii ibsameef hojii ogummaa isaa irra yommuu jirus ta'e erga gadi lakkisee booda kan ibse yoo ta'e; iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Barataan, hojjetaan yaaliirra jiru yookiin hojjetaan shaakalaarra jiru sababa shaakala barumsa hojii ogummaatiin iccitii beekuu danda'e kan ibse adabbii keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

3. Yakki iccitii ibsuu kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; iyyannoon dhuunfaa yommuu dhihaatu adabbichi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalle yookiin hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle ni ta'a.

Keewwata 400. Iccitii Akka Ibsamu Hayyamame

1. Iccitii ibsuun kan hin adabsiisne:
   (a) namni iccitiin eegamuufii qabu ifatti hayyama erga kennee booda yoo ta'e;
   (b) yaadachiisa yookiin gaaffii nama icciticha qabateen qaamni ogummaa yookiin to'annoo olaanaa dhimmichi ilaallatu hayyama barreeffamaa kan kenne yoo ta'e;
   (c) dhimma murtaa'e tokko irratti murtii mana murtii ifatti kenname bu'uura godhachuun kan ibsame yoo ta'e; yookiin
   (d) hojii ummataatiif jecha dhaddacha murtiitti akka ragaa bahu yookiin abbaa taayitaa tokkoof ibsa akka kennu tumaan addaa seerichaa kan hayyamu yookiin kan ajaju yoo ta'edha.
2. Namni seeraan, mana murtiin yookiin abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatuun iccitii akka ibsu ajajame dirqama iccitii eeguu isaa sababa gochuun icciticha ibsuuf diduu hin danda'u.

   Sababa kamiiniyyuu jechi qalbii jijjiirrannaa abbootii amantaa biratti kenname akka ibsamu dirqisiisuun hin danda'amu.

Keewwata 401. Iccitii Saayinsii, Industirii Yookiin Daldalaa Ibsuu

1. Namni kamiyyuu abbaa mirgaa yookiin abbaa qabiyyichaa miidhuuf yookiin faayidaa argachuufis ta'e argamsiisuuf yaadee seeraan yookiin waliigalteen yookiin sababa itti gaafatamummaa hojii isaatiin dirqama qabu darbuun mala yookiin odeeffannoo dinagdee, saayinsii yookiin ijaarsa teeknooloojii kamiyyuu, yookiin iccitii industirii yookiin daldalaa, saayinsii /artii/ yookiin mala haala hojiirra oolmaa isaanii iccitiin eeguun isarraa eegamu kamiyyuu nama ibsamuufii hin malleef kan ibse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Ittisa biyyaatiif faayidaa kan qabu iccitiin saayinsii yookiin artii kan ibsame yoo ta'e, tumaan addaa keewwata 396 jalatti ibsame raawwatamaa nit a`a.

Mata Duree Sadi

Yakkoota Hojii Mootummaa Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 402. Hiika

1. "Hojjetaa mootummaa" jechuun mana hojii mootummaatti yookiin dhaabbata misoomaa mootummaa keessatti miindeffamee, muudamee, ramadamee yookiin ummataan filatamee dhaabbataan yookiin yeroodhaaf nama hojjetu kamiyyuu jechuudha.
2. "Mana hojii mootummaa" jechuun guutummaa guutuutti yookiin gartokkeen baajata mootummaatiin kan buluufi mana hojii hojiiwwan Mootummaa Federaalaa yookiin Naannoo keessatti hojjetaman kamiyyuu jechuudha.
3. "Dhaabbata misoomaa mootummaa" jechuun gaheen abbummaa mootummaa guutummaa guutuutti yookiin gartokkeen kan keessatti argamu dhaabbata misoomaa yookiin waldaa aksiyoonaa Mootummaa Federaalaa yookiin Naannoo jechuudha.
4. Mata duree kana jalatti akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee: "faayidaa" jechuun:
   (a) kennaa, liqii, badhaasa yookiin koomishinii maallaqaatiin yookiin qabsiisa gatii qabu kamiiniyyuu yookiin qabeenya biraa yookiin faayidaa (mirga) qabeenya irra jiruun kan tilmaamu;
   (b) muudama, miindeffama yookiin waligaltee kamiiniyyuu;
   (c) liqii, dirqama yookiin idaa kamiiniyyuu guutummaa guutuuttis ta'e gartokkeen kaffaluu, hambisuu, waldandeessisuu yookiin wantoota kana irraa bilisa taasisuu;

www.abyssinialaw.com

(d) himata bulchiinsaa, yookiin hariiroo hawaasaa yookiin yakkaa hundeeffame yookiin hin hundeeffamne, yookiin adabbii himanni kun qaqqabsiisu yookiin qaqqabsiisuu danada'u kamiyyuu irraa yookiin dandeettii dhabuu irraa hambisuun yookiin mala kana fakkaatuun tajaajila yookiin gargaarsa taasifamu;

(e) mirga, gocha yookiin dirqama kamiiniyyuu raawwachuu yookiin raawwachuu irraa of qusachuu;

(f) haalawwan armaan olitti ibsamaniin alatti faayidaa yookiin tajaajila maallaqaatiin hin tilmaamamneefi;

(g) armaan olitti qubee "a hanga f" jalatti faayidaalee tarreeffaman keessaa tokko dhiyeessuu, haala faayidichi itti argamuu danda'u mijeessuu yookiin kanuma ilaalchisee waadaa seenuu yookiin fudhachuudha.

5. "Faayidaa hin malle" jechuun badhaadhina hin malle yookiin karaa hin malleen faayidaa argame jechuudha.

Keewwata 403. Tilmaama Yaada Faayidaa Argachuu Yookiin Miidhuu

Ragaan faallaa ta'e yoo dhihaate malee, yakkoonni malaammaltummaa kan raawwataman faayidaa hin malle argachuuf yookiin argamsiisuuf yookiin miidhuuf ta'uun isaa yommuu tumametti, keewwaticha keessatti ijoon dubbii qabatamaa (gochi) ibsame raawwatamuun isaa yoo mirkanaa'e, gochichi kan raawwatame faayidaa hin malle ofii argachuuf yookiin nama biroo argachiisuuf yookiin mirga yookiin faayidaa garee sadaffaa miidhuuf akka ta'etti ni tilmaamama.

Keewwata 404. Qajeeltoo

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu yakkoota mata duree kana keessatti ibsaman keessaa tokko yommuu raawwatetti, tumaaleen adabbii armaan gaditti tumaman irratti ni raawwatamu**.**
2. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu kan itti himatame, gochi yakkamtummaan raawwate yookiin osoo hin raawwatiin dhiise hojii isaaf kenname osoo hojjetuu kan raawwatame yoo ta'eefi gochichis seerri idilee kan irratti raawwatamu ta'ee, garuu, hojii mootummaa irratti ta'uu isaafi amantaa isarratti gatame irraa kan ka'een

www.abyssinialaw.com

dirqama irra jiru cabsuu isaatiin adabbichi kan cimu yoo ta'u, seera yakkaa kanaan tumaaleen mata dureewwan biroo jalatti tumaman raawwatamoo ni ta'u.

3. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu kallattiinis ta'e alkallattiin faayidaa hin malle ofii argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yookiin mirga nama biroo irratti miidhaa geessisuuf yaaduun itti gaafatamummaa yookiin gahee itti kennameen wanta raawwachuu qabu akka hin raawwanne yookiin wanta raawwachuu hin qabne akka raawwatu, nama biroorraa faayidaa kan fudhate yookiin kan gaafate, yookiin karaa biroo kamiiniyyuu ofii isaaf yookiin nama biroof faayidaa argamsiisuuf aangoo isatti kenname yookiin imaanaa ummataa haala hin malleen kan itti tajaajilame yoo ta'e; yookiin

   Namni kamiyyuu faayidaa ofii argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yookiin mirga nama biroorra miidhaan akka qaqqabu taasisuuf yaaduun, hojjataa mootummaatiif faayidaa hin malle kennuuf waadaa kan seene, kan dhiheesse, kan kenne yookiin dhiheessuuf kan waliigale yoo ta'e; yookiin

   Hojii mootummaa sirnaan raawwatameef yookiin gara fuula duraatti raawwatamuuf faayidaa hin malle nama kamiifiyyuu kan kenne yookiin hojjetaan mootummaa kamiyyuu kan fudhate yoo ta'e;

   Yakkoota malaammaltummaa mata duree kana jalatti ibsame raawwateera jedhamee adabbiin tumaalee armaan gadii jalatti ibsaman irratti ni raawwatamu.

4. Yakkoonni malaammaltummaa yakkoota mata duree kana, boqonnaa lama, kutaa tokkoofi boqonnaa sadii, kutaa tokko jalatti ibsaman kan dabalatuufi matta`aa filannoo irratti kennamu /keewwata 468/, sanadoota mootummaa yookiin loltummaa fakkeessuun qopheessuu yookiin sobatti jijjiiruu /keewwata 379/, amantaa hir'isuu cimaa /keewwata 676 (1)/, maallaqa yookiin qabeenya malaammaltummaan argame seera qabeessa fakkeessuun dhiheessuufi yakkichaan deeggaruu /keewwata 684/, gowwomsaa cimaa hojjetaa mootummaan raawwatamu /keewwata 696 (a)/ ni hammata.
5. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu adabbii tumaa seeraa darbeen itti murtaa'u irratti dabalataan faayidaan, maallaqni yookiin qabeenyi karaa seeraan alaan argate

www.abyssinialaw.com

akka dhaalamu yookiin faayidichis ta'e qabeenyichi kan hin argamne yoo ta'e gatii walgitu akka kaffalu ni taasifama.

Keewwata 405. Adabbiin Bulchiinsaafi Itti Gaafatamummaan Hariiroo Hawaasaa Dabalataan Kan Raawwataman Ta'uu Isaanii

Bu'uura tumaalee boqonnaa kana jalatti ibsamaniin yakkaan himatamanii adabamuun yookiin bilisaan gadi lakkifamuun bulchiinsaanis yookiin hariiroo hawasaatiin itti gaafatamummaa jiru hin hambisu**.**

Keewwata 406. Himannaa Irraa Bilisa Taasisuu

1. Namni kamiyyuu yakkoota malaammaltummaa keessaa tokkotti hirmaataa erga ta'ee booda dhimmichi mana murtiitti dhihaachuu isaatiin dura, waa'ee gocha raawwatameefi waa'ee gahee hirmaattotaa odeeffannoo faayidaa qabu yoo kenne qaama seeraan aangoon kennameefiin bu'uura seera yakkaa kanaatiin akka hin himatamne taasifamuu ni danda'ama**.**
2. Haalli faayidaa qabeessummaa ragichaa murteessuufi namni gochicha raawwate akka hin himatamne itti taasifamu ilaalchisee tarreeffamni raawwii isaa sirna seera rogummaa qabuun ni tumuma.
3. Haala seera qabeessa ta'een tajaajila argateef yookiin argachuu qabuuf faayidaa kamiiniyyuu kan kenne, kennuu isaa nama saaxileef, matta'aa yookiin kennaa yookiin wanta gatii baasu kan kenne sababa yakkichaan qabeenya dhaalamu irraa ni deebi'aaf.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Hojjettoonni Mootummaa Hojii Mootummaa Irratti Raawwatan

Kutaa Tokko

Yakkoota Malaammaltummaa Qajeelummaafi Amanamummaa Hir'isuun Hojjettoonni Mootummaa Raawwatan

www.abyssinialaw.com

Keewwat 407. Aangootti Garmalee Fayyadamuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu faayidaa hinmalle argachuuf yookiin argamsiisuuf yookiin mirga yookiin faayidaa nama biroo irratti miidhaa qaqqabsiisuuf yaaduun:
   (a) muudama yookiin aangoo kennameef gocha ifa ta'een yookiin haala hanqina qabuun akkaataa hinmalleen kan itti tajaajilame yoo ta'e;
   (b) aangoo ifatti kennameef irra darbuun kan hojjate yoo ta'e; yookiin
   (c) dhimma aangoon isaa hin hayyamamneef, keessumattuu osoo aangoo hin qabaatiin yookiin erga hojii irraa dhorkamee, jijjiiramee, aangoo irraa bu'ee yookiin aangoo yookiin itti gaafatamummaa isaa erga dhiisee booda kan ittiin hojjete yoo ta'e;

   tumaan ifatti dhimmicha ilaallatu kan jiru yoo ta'e malee, akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Kaayyoon itti gaafatamummaan yookiin dirqamni kun akka cabu barbaadameef, hammi faayidaa argamee, sadarkaa aangoo yookiin itti gaafatamummaa balleessichaa yookiin ciminni miidhaa faayidaa nama dhuunfaa yookiin ummataa yookiin mootummaa irratti qaqqabe akkaataa raawwii yakkichaa cimaa kan taasise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalle ni ta'a.
3. Sababoota keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman keessaa lama yookiin sanaa ol walirra bu'aanii kan argaman yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle ni ta'a.

Keewwata 408. Matta'aa Fudhachuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu itti gaafatamummaa yookiin dirqama hojii isaatiin waan raawwachuu hin qabne raawwachuuf yookiin waan raawwachuu qabu akka raawwachuu dhiisuuf kallattiinis ta'e alkallaattiin ofii isaaf yookiin nama biroof

www.abyssinialaw.com

faayidaa akka kennamu kan gaafate, kan fudhate yookiin jecha abdii kan fudhate yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taane yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdama hin caalleen ni adabama.

2. Kaayyoon itti gaafatamummaan yookiin dirqamni kun akka cabu barbaadameef, hammi faayidaa argamee, sadarkaa aangoo yookiin itti gaafatamummaa balleessichaa yookiin ciminni miidhaa faayidaa nama dhuunfaa yookiin ummataa yookiin mootummaa irratti qaqqabe akkaataa raawwii yakkichaa cimaa kan taasise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalle ni ta'a.
3. Sababoota keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman keessaa lama yookiin sanaa ol walirra bu'aanii kan argaman yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle ni ta'a.
4. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen hojjetaan mootummaa kamiyyuu, dirqama hojii gabaa addunyaalessaa waliin walqabateen korporeeshinoota daangaa biyyootaa darbuun hojjetan dabalatee mootummaa biyya biroo, nama yookiin jaarmiyaa kamiyyuu irraa faayidaa yookiin kennaa kan gaafate, kan fudhate, fudhachuuf kan waliigale yoo ta'e;

   adabbiilee keewwattoota xiqqaa armaan olii jalatti tumaman keessaa tokkoon akka haala dubbichaatti ni adabama.

Keewwata 409. Faayidaa Hin Malle Fudhachuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu, bu'uura itti gaafatamummaa kennameefiin hojii raawwachuun irraa eegamu raawwachuuf jecha, hojiidhuma kana raawwachuu isaatiin dura yookiin erga raawwatee booda faayidaan akka kennamuuf kan gaafate, kan argate yookiin jecha abdii kan fudhate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen, yookiin hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen ni adabama**.**

2. Hammi faayidaa argamee, sadarkaan aangoo yookiin itti gaafatamummaa balleessichaa raawwii yakkichaa cimaa kan taasise yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma soddoma hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame itti gaafatamummaa yookiin dirqama hojii qunnamtii daldalaa addunyaalessaa waliin walqabateen yoo ta'e, akka haala dubbichaatti bu'uura keewwatoota xiqqaa armaan olitti ibsamaniin ni adabsiisa.

Keewwata 410. Yakka Matta'aa Fudhachuu Jaarsoliin Araaraafi Namoonni Biroo Raawwatan

1. Jaarsi araaraa, abbaan seeraa araaraa, immaanyiin mana murtii, eegaan yookiin qulqulleessaan qabeenyaa, turjumaanni hojii isaa akka raawwatu abbaa taayitaan muudame yookiin turjumsiisaan yookiin abbaa seerummaan yookiin dhimma abbaa seerummaa waliin walqabatu irratti kallattii ogumma isaan yaada isaa yookiin jecha ragummaa isaa kan kennu ogeessi addaa kamiyyuu, waan raawwachuu qabu akka hin raawwanne yookiin waan raawwachuu hin qabne raawwachuuf nama dhimmichi ilaallatu irraa faayidaa yookiin kennaa akka kennamuuf kan gaafate yookiin kan fudhate yoo ta'e;

   seera kana keewwata 408 keewwatoota xiqqaa jalqabaa sadii jalatti adabbiilee ibsaman keessaa tokkoon akka haala dubbichaatti ni adabama.

2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti namoota ibsaman keessaa tokko bu'uura aangoo yookiin gahee kennameefiin waan raawwachuu qabu raawwachuu isaan dura yookiin booda faayidaan yookiin kennaan akka kennamuuf kan gaafate yookiin kan fudhate yoo ta'e, seera kana keewwata 409 keewwattoota xiqqaa jalqabaa lama jalatti adabbiilee ibsaman keessaa tokkoon akka haala dubbichaatti ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 411. Haala Mijaawaa Hin Taaneen Hojii Mootummaa Gaggeessuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu faayidaa hin malle argachuuf yookiin argamsiisuuf yaaduun, aangoo yookiin itti gaafatamummaa isaatti fayyadamuun:
   (a) hojii daldalaan yookiin kan biraan, bittaan yookiin gurgurtaan,yookiin hojii raawwatuun walqabatee qunnamtii hojii kamiiniyyuu faayidaa dhuunfaa isaaf faayidaa akaakuu kamiiniyyuu kan fudhate yookiin waliigaltee faayidaa kana ittiin argatu kan waliigale yookiin tooftaa biraa kan uume yoo ta'e;
   (b) gatii qaama aangoo qabuun murtaa'e oliin waliigaltee meeshaa dhiheessuu, waliigaltee hojii ijaarsaa yookiin waliigaltee hojii kamiiniyyuu kan raawwate yoo ta'e;
   (c) bu'uura aangoo hojii waliigalaa isaatiin faayidaa ummataa yookiin mootummaa imaanaan yookiin eeguufi kunuunsuun irraa eegamu gocha miidhu mala kamiiniyyuu kan raawwate yoo ta'e;

   akkaataa haala dubichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hintaaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.

2. Kaayyoon itti gaafatamummaan yookiin dirqamni kun akka cabu barbaadameef, hammi faayidaa argamee, sadarkaan aangoo yookiin itti gaafatamummaa balleessichaa yookiin ciminni miidhaa faayidaa nama dhuunfaa yookiin ummataa yookiin mootummaa irratti qaqqabe akkaataa raawwii yakkichaa cimaa kan taasise yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle ni ta'a.
3. Sababoota keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman keessaa lama yookiin sanaa ol walirra bu'aanii yommuu argaman, adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii ga'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba lama hin caalle ni ta'a.
4. Raawwatichi yaada faayidaa argachuu yookiin argamsiisuu osoo hin qabaatiin:

www.abyssinialaw.com

(a) jaarmiyaa ofiisaa yookiin firrisaa dhihoo yookiin michuun isaa abbaa faayidaa yookiin abbaa aksiyoonaa keessatti ta'e yookiin hundeessaa yookiin miseensa jaarmiyaa tola oolaa itti ta'eefi waajjira isaa gidduutti daldalaan yookiin hojii biraatiin, bittaan yookiin gurgurtaan, yookiin qunnamtii biroo raawwii hojii isaa waliin walqunnamtii qaban kamiiniyyuu waliigaltee akka seenu kan taasise yoo ta'e; yookiin

(b) qabeenyota muraasa akka hin binne yookiin caalbaasii akka hin hirmaanne seeraan yookiin dambiin dhorkamee osoo jiruu maqaa isaan yookiin maqaa nama biraan yookiin nama biraa waliin qabeenya kan bite yookiin caalbaasii irratti kan hirmaate yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hincaalleafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

"Fira" jechuun bu'uura seera rogummaa qabuun himatamaa waliin nama firummaa dhiigaa yookiin gaa'elaa qabudha.

Keewwata 412. Seeraan Ala Mi'a Imaanaan Itti Kenname Irratti Ajajuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu seeraan osoo hin hayyamaminiif, ta'us, qabeenya dhuunfaa gochuuf yaaduun osoo hinta'in:
   (a) wanta saamsamaa fuudhe, poostaa, sanada, wantoota gatii qaban yookiin imaanaan yookiin mi'a akka saamsameen fuudhe kamiyyuu kan bane, kan bansiise, kan fudhate yookiin fudhachiise, yookiin oduu isaa kan ibse yookiin mi'icha dabarsee kan kenne yoo ta'e; yookiin
   (b) mi'oota akkanaatiin kan tajaajilame yookiin namni biroo akka itti tajaajilamu kan hayyame yoo ta'e;

   gochichi adabbii cimaan kan adabsiisu ta'uu isaa tumaa biraatiin kan ibsame yoo ta'e malee, adabbii maallaqaa qarshii kuma torba hin caalleen yookiin hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabama**.**

2. Yakkichi kan raawwatame miira faayidaa argachuuf karoorfameen yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hincaalleefi adabbii maallaqaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

3. Gochichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalle ni ta'a**.**

Keewwata 413. Yakka Fudhachuufi Miliqsuu Hojii Irratti Raawwatamu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu, faayidaa qabeenya hinmalle argachuuf yookiin argamsiisuuf yaaduun:
   (a) sakatta'iinsaan, qabiinsaan, sirna dhaalaan, gurgurtaa caalbaasiin, dhaala karaa seeraa raawwatamuun yookiin murtichi qabeenya irratti akka raawwatamu murtaa'uu isaan, yookiin hojiin kana fakkaatu kamiyyuu yommuu raawwatamutti mi'oota, sanadoota, wantoota gatii baasan, maallaqa callaa, meeshaalee socho'an yookiin dhumataa kan fudhate yoo ta'e; yookiin
   (b) sababa hojiisaan yookiin meeshaalee imaanaan fuudhe yookiin kanneen harka isaa galuu danda'an yookiin meeshaalee kana fakkaatan yookiin wantoota gatii baasan kan miliqse yoo ta'e;

   akkaataa haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Hammi faayidaa argamee, sadarkaan itti gaafatamummaa yookiin aangoo balleesichaa yookiin ciminni miidhaa faayidaa nama dhuunfaa yookiin ummataa yookiin mootummaa irratti qaqqabe akkaataa raawwii yakkichaa cimaa kan taasise yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma soddoma hin caalle ni ta'a.
3. Sababoonni keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman lamaan isaanii yookiin sanaa ol walirra bu'aanii yoo argaman adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shanatama hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 414. Aangoon Daldaluu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu dhagahamummaa sababa hojiisaan qabuun yookiin fakkeessee dhiheesseen:
   (a) sadarkaa hojii, muudama, hojii, badhaasa, gatii tajaajilaa, kennaa addaa qaama aangoo qabuun murtaa'ee kennamu;
   (b) waliigaltee, walta'iinsa daldalaa, caalbaasii hojii, dhiheessa meeshaa yookiin faayidaa biroo abbootii aangoo yookiin kutaalee bulchiinsaa to'annoo isa jala jiraaniin waliigaltee godhamu; yookiin
   (c) akka waliigalaatti faayidaa yookiin murtii deeggarsaa qaama aangoo yookiin kutaa bulchiinsaan kennamu tokko irraa;

   nama biraatiif argamsiisuuf, kennaa yookiin faayidaa biroo kan gaafate yookiin kan fudhate yoo ta'e; akkaataa haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen, yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma soddoma hin caalleen ni adabama.

2. Kaayyoon itti gaafatamummaan yookiin dirqamni kun akka cabu barbaadameef, hammi faayidaa argamee, sadarkaan aangoo yookiin itti gaafatamummaa balleessichaa yookiin ciminni miidhaa faayidaa nama dhuunfaa yookiin ummataa yookiin mootummaa irratti qaqqabe akkaataa raawwii yakkichaa cimaa kan taasise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalle ni ta'a.
3. Sababoonni keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tarreeffaman lamaan isaanii yookiin sanaa ol walirra bu'aanii yommuu argaman, adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle ni ta'a.

Keewwata 415. Seeraan Ala Walitti Qabuu Yookiin Dabarsanii Kennuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu faayidaa hin malle ofii isaaf argamsiisuuf yaaduun:

www.abyssinialaw.com

(a) kaffalamuu kan hin qabne ta'uu isaa yookiin taarifa seeraan murtaa'ee ol ta'uu isaa osoo beekuu ashuura, gibira, galii addaddaa yookiin faayidaa galii addaddaa, kaffaltii hojii guyyaa (wage), mindaa, beenyaa, yookiin baasii biroo kan walitti qabe yookiin akka walitti qabamu kan ajaje yoo ta'e;

(b) mi'a yookiin kaffaltii kamiiniyyuu yommuu dabarsu yookiin kennutti, kan dabarsee kennuu yookiin kaffaluu qabu irraa hir`isuun kan dabarse yookiin kan kaffale yoo ta'e;

akkaataa haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudha shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame armaan olitti keewwata 414 jalatti haalawwan tumaman keessaa tokkoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma soddoma hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame armaan olitti keewwata 414 (3) jalatti haalawwan tumaman keessaa tokkoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalle ni ta'a.
4. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabsiisa.

Keewwata 416. Seeraan Ala Dhimma Lafarra Harkisuu

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu sababa itti gaafatamummaa yookiin hojii isaan dhimma dhihaateef irratti faayidaa nama qabu kamiyyuurraa kallattiin yookiin alkallattiin faayidaa argachuuf, dhimmicha irratti nama faayidaa qabu kamiyyuu fayyaduuf yookiin miidhuuf jecha seeraan yookiin dambii yookiin qajeelfama hojii yookiin hojmaata baratameen ala sababa gahaa malee kan hin murteessine yookiin kan turse yookiin abbaa dhimmaa kan dhamaase yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

haalawwan dambii darbuun kan isa adabsiisaniin ala yommuu ta'u, akka haala dubbichaatti adabbii maallaqaatiin, yookiin hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 417. Kaffaltii Malee Yookiin Kaffaltii Gahaa Malee Wanta Gatii Qabu Argachuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu sababa gahaa osoo hin qabaatiin kaffaltii malee yookiin kafaltii gahaa malee wanta gatii qabu kamiyyuu kan fudhate yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Qabeenya, humna faayinaansii yookiin kennaa fudhachuu galmeessisuu akka qabu seeraan yookiin dambiin kan tumame yoo ta'e beeksisuu dhiisuun yookiin galmeessisuu dhiisuun bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) tiin ni adabsiisa.
3. Bu'uura aadaa yookiin haala baratamaa biyyichaa yookiin naannichaatiin kennaa gatii qabuufi akka mallattoo michummaa salphaatti ilaalamu fudhachuun yookiin fira dhiigaa dhihoo yookiin fira gaa`elaa yookiin michuu dhihoo ta'e irraa kennaa argachuun yakka keewwata kana jalatti ibsame kan hundeessu miti.

Keewwata 418. Seeraan Ala Hayyama Kennuufi Raggaasisuu

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu itti yaadee nama gahumsa hin qabneef yookiin seeraan nama kennamuufii hin qabne kamiifiyyuu hayyama daldalaa yookiin hojii kan kenne yookiin kan raggaasise yoo ta'e yookiin iddoo waanti tokko itti raawwatamu seeraan ala kan hayyame yookiin kan kenne yoo ta'e akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan, yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama**.**

Keewwata 419. Qabeenyaafi Maallaqa Maddi Isaa Hin Beekamne

1. Namni hojjetaa mootummaa ta'e yookiin ture kamiyyuu:
    a. sadarkaan jireenya isaa galii seera qabeessa hojii mootummaa amma irra jiru yookiin duraan keessa tureen yookiin karaa biroon argatuun yookiin argachaa tureen kan caalu yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

b. qabeenyi inni qabu yookiin maddi maallaqa isaa hojii mootummaa amma irra jiru yookiin duraan keessa ture yookiin karaa biraa kan argatuun yookiin karaa seera qabeeessa ta'een argachaa kan ture waliin kan wal hin madaalle yoo ta'e;

haala sadarkaa jireenya akkasii akkamiin qabaachuu akka danda'e yookiin qabeenyi yookiin maddi maallaqichaa haala kamiin harka isaa akka gale mana murtiif kan ibse yoo ta'e malee, akka haala isaatti dhaalamuun qabeenyichaa yookiin abbaa mirgaatiif deebi'uun isaa akkuma eegametti ta'ee; hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa yookiin dhimmichi cimaa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti yakki ibsame mana murtiitti ilaalamaa yommuu jirutti namni tokko walitti dhiheenya himatamaa waliin qabuun yookiin haalawwan biroo irraa ka'uun himatamaaf abbaa imaanaa ta'uun qabeenya tokko yookiin madda maallaqaa akka qabate yookiin himatamaa irraa kennaan akka argate manni murtii yoo itti amane dhimmicha ragaa biraatiin kan fashaleesse yoo ta'e malee, qabeenyichi yookiin maddi maallaqichaa abbaa qabiyyummaa himatamtichaa jala akka jirutti ni lakkaawama.

Kutaa Lama

Yakkoota Dirqama Hojii Cabsuun Raawwataman

Keewwata 420. Yakka Dirqama Hojii Bahuu Dhabuun Raawwatamu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu dirqama gahee hojiisaa akkaataa barbaadamuun raawwachuu hafuu isaatiin faayidaa mootummaa, ummataa yookiin nama dhuunfaa irratti miidhaa geessiseera yoo ta'e, adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.
2. Sababa yakkichaatiin miidhaa cimaan kan qaqqabe yoo ta'e, hidhaan salphaafi adabbiin maallaqichaa hanga adabbii olaanaa seeraan murtaa'e qaqqabuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 421. Korannaa Hojii Dhaabuu Seeraan Alaa

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu haala faallaa seeraa ta'een yookiin faallaa ogummaa isaa ta'een hayyama isaatiin korannaan gocha hojii dhaabuu kan raawwate yoo ta'e yookiin gochi hojii dhaabuu akka raawwatamu kanneen biroo kan kakaase yoo ta'e; adabbiin keewwata 420 jalatti ibsame irratti ni raawwatama**.**

Keewwata 422. Aangoo Qabeenya Nama Biroo Sakatta'uu Yookiin Qabuutti Garmalee Fayyadamuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu seeraan aangoo osoo hinqabaatiin qabeenya namaa kan sakatta'e, kan qabe yookiin qabeenyicha kan fudhate yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa torba hincaalleen ni adabama**.**

2. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu sakatta'uufi qabuuf seeraan aangoon kan kennameef yoo ta'es humna barbaachisaa ol ta'e fayyadamuun mana yookiin mooraa nama biroo kan seene yoo ta'e, yookiin sirna seeraan ajajame yookiin hayyamameen ala qabeenya namaa kan sakatta'e, kan qabe yookiin kan fudhate yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 423. Karaa Seeraan Ala Ta'een Nama Qabuu Yookiin Hidhuu

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu haala seeraan ibsameen ala yookiin sirnaafi eeggannoo seeraa osoo hin hordofiin nama biroo qabuun, hidhuun, yookiin haala kamiiniyyuu bilisummaa isaa kan dhabsiise yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa kudhan hincaalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama**.**

Keewwata 424. Mala Hojmaataa Hin Malleen Fayyadamuu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu gahee hojii qabuu, eeguu, to'achuu,dabaaluu, yookiin qorachuu yommuu gaggeessutti nama shakkame, qabame, ragummaan dhihaate, mana murtiitti akka dhihaate kan waamame, qabamee mana turmaataa yookiin hidhaa jiru, yookiin adabbii hidhaa raawwataa jiru ibsa tokko akka isaaf kennuufis ta'e balleessaa isaa akka amanu, yookiin waan kana fakkaatu akka

www.abyssinialaw.com

ibsuuf yookiin karaa inni barbaaduun jecha ragummaa akka kennuuf kan sossobe, jecha abdii kan kenneef yookiin kan sodaachise yookiin nama kana irratti haala hin barbaachisneen yookiin haala garalaafummaa namoomaan ala ta`e yookiin gocha kabaja ilma namaatiif yookiin aangoo hojii isaa waliin walfaallessu kan irratti raawwate yoo ta'e, keessumattuu, reebicha, gocha garajabummaa yookiin darara qaamaa yookiin sammuu kan irratti qaqqabsiise yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin adabbii maallaqaatiin, yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Gochichi yakka dabalataa yommuu hordofsiisetti tumaan rogummaa qabu dabalataan akka irratti hin raawwatamne tumaan keewwata kanaa hin dhorku.

2. Yakkichi kan raawwatame ajaja abbaa taayitaatiin yoo ta'e; abbaan taayitaa kun hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 425. Hidhamaa Karaa Seeraan Ala Ta'een Gadi Lakkisuufi Akka Miliqu Gargaaruu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu:
   a. karaa faallaa seeraa yookiin ajaja kennameefiin ala ta'een nama akkaataa seeraatiin hidhame yookiin qabameefi akka eegu itti kenname kan gadi lakkise yoo ta'e; yookiin
   b. namni akkanaa kun akka miliqu kan taasise, kan hayyame yookiin akka miliqu kan gargaare yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa sadii hincaalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma sadii hin caalleen ni adabama**.**

2. Malli yookiin haalli seeraan ala gadi lakkisuu yookiin miliquun ittiin raawwatame, miidhaan inni qaqqabsiise, ciminni sababa akka qabamu itti ajajame, yookiin balaafamummaan nama qabamee yommuu ilaalamu haalli isaa addatti ulfaataa yoo ta'e; adabbiin isaa adabbii maallaqaa hanga fiixee olaanaa adabbii idilee gahuu danda'uufi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle ni ta'a**.**

www.abyssinialaw.com

3. Yakkichi dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkoofi dhibba shan hin caalleefi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle ni ta'a**.**

Keewwata 426. Booji'amtoota Waraanaafi To'atamtoota Loltuu Gadi Lakkisuufi Akka Miliqan Gargaaruu

1. Hojjetaan mootummaa kamiyyuu booji'amtoota waraanaa yookiin to'atamtoota loltuu to'annaa isaa jala jiran faallaa seeraatiin yookiin ajajaatiin kan gadi lakkise yookiin akka miliqan kan gargaare yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa lama hin caalleen ni adabsiisa.

Boqonnaa Sadi

Yakkoota Namoonni Biroo Hojii Mootummaarratti Raawwatan

Kutaa Tokko

Yakkoota Malaammaltummaa Namoonni Biroo Haala Hojii Mootummaatiin Walqabateen Raawwatan

Keewwata 427. Matta'aa Kennuu

1. Namni kamiyyuu hojjetaan mootummaa tokko itti gaafatamummaa isaatiin yookiin dirqama hojii isaatiin wanta raawwachuu hin qabne akka raawwatu yookiin wanta raawwachuu qabu akka hin raawwanne faayidaa yookiin kennaa kan kenne yookiin kan dhiheesse yoo ta'e; hidhaa salphaan, yookiin akka haala dubbichaatti hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudha shan hin caalleen ni adabama.
2. Namni kamiyyuu dhimma daldala gabaa addunyaalessaa waliin walqabteen abbaa taayitaa yookiin hojjetaa mootummaa biyya biroo yookiin jaarmiyaa addunyaalessaa kamifiyyuu dirqama hojii isaatiin wanta raawwachuu hin qabne

www.abyssinialaw.com

akka raawwatu yookiin wanta raawwachuu qabu akka hin raawwanne faayidaa yookiin kennaa kan kenne yookiin kan dhiheesse yoo ta'e; bu'uura keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

3. Faayidaan yookiin kennaan raawwataan yakkichaa dhiheesse olaanaa yoo ta'e; yookiin gochichi mootummaa, ummata yookiin nama dhuunfaa irratti miidhaa cimaa kan qaqqabsiise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalle ni ta'a.
4. Hojjetaan mootummaa tokko bu'uura itti gaafatamummaa kennameefiin wanta raawwachuu qabu akka raawwatuuf jecha hojii isaa kana raawwachuun dura yookiin erga raawwatee booda hojjetaadhuma kanaaf faayidaa yookiin kennaa kan kenne yookiin kan dhiheesse namni kamiyyuu; akka haala dubbichaatti adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
5. Yakki armaan olitti keewwattoota xiqqaa jalatti ibsame kan raawwatame jaarmiyaa namumman seeraa kennameefiin yoo ta'e; bu'uura keewwata 90 (3) tiin adabbii maallaqqaatiin ni adabama.
6. Adabbii keewwata kana jalatti ibsame irratti dabalataan manni murtichaa balleessichi mootummaa waliin waliigaltee yookiin bittaafi gurgurtaa akaakuu kamiiniyyuu dhaabbataan yookiin yeroo murtaa'eef akka hin raawwanne ajaja dhorku kennuu ni danda'a.

Keewwata 428. Kaffaltii Malee Yookiin Kaffaltii Gahaa Malee Wanta Gatii Qabu Kennuu

Namni kamiyyuu haalawwan keewwata 417 jalatti ibsamaniin hojjetaa mootummaa kamiifiyyuu yookiin nama biroo isa waliin qunnamtii qabu kamiifiyyuu kaffaltii malee yookiin kaffaltii gahaa malee wanta gatii qabu kamiyyuu kan dhiheesse, kan kenne yookiin kennuuf kan waliigale yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 429. Daddabarsuu

Namni kamiyyuu ofii isaatiif faayidaa akaakuu kamiiniyyuu argachuu yoo baates, nama hojii mootummaa hojjetuuf matta'aa kennuuf maallaqa, wanta gatii qabu, tajaajila yookiin faayidaa akaakuu kan biroo nama biraa irraa kan fuudhe yoo ta'e yookiin herreega baankii isaa matta'aa akkasii daddabarsuuf kan oolche yoo ta'e; akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan, yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 430. Aangoo Hin Qabnetti Fayyadamuu

Namni kamiyyuu:

a. hojii mootummaarraa erga dhorkamee, jijjiiramee, kaafamee, gaggeeffamee yookiin aangoo yookiin itti gaafatamummaa isaa erga dhiisee booda hojii isaarra kan jiru fakkeessuun;
b. gara fuula duraatti hojjetaa mootummaa nan ta'a jedhee amanuun; yookiin
c. hojjetaa mootummaa osoo hin ta'iin fakkaatee dhihaachuun; kana nan raawwadha jechuun jecha abdii galuun faayidaa yookiin kennaa hin malle nama biroorraa yoo gaafate yookiin kan fudhate yoo ta'e ;

akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan, yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 431. Dhagahamummaa Dhuunfaan Daldaluu

Namni kamiyyuu hojjetaa mootummaa ta'uu dhabuu isaatiin hojjetaa mootummaatiif kan tumame (keewwata 414) kan isa hin ilaallanne yoo ta'es, dhagahamummaa qabu yookiin akka qabu kan isa fakkeesse fayyadamuun mirga addaa yookiin faayidaa hojjetaa mootummaa qofaan kennamuu danda'u nama biroof argamsiisuuf jecha maallaqa, kennaa, harka fuudhaa, yookiin faayidaa biraa kan gaafate, kan fudhate, yookiin kanuma ilaalchisee jecha abdii kan fudhate yoo ta'e ;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma lamaa gadi hin taaneen ni adabama.

Kutaa Lama

Yakkoota Namoonni Biroo Hojii Mootummaarratti Raawwatan

Keewwata 432. Beeksisootaafi Seerota Mootummaa Sarbuu

Namni kamiyyuu aangoo yookiin mirga osoo hin qabaatiin itti yaadee beeksisoota abbootiin taayitaa addabaabayiitti maxxansan, seerota yookiin murtiiwwan bakka isaaniitii kan kaase, kan balleesse, kan tarsaase, yookiin akka hin dubbifamne kan taasise yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen, yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 433. Hayyama Malee Yookiin Hayyama Kennameen Ala Hojjechuu

Namni kamiyyuu hojiiwwan bu'uura seeraatiin yookiin dambiitiin hayyamni itti kennamuu qabu kamiyyuu hayyama malee yookiin hayyama kennameefiin ala kan hojjete yoo ta'e;

akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa cimaa hanga waggaa shanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 434. Tumaalee Dirqama Galmeessisuu Ilaallatan Darbuu

1. Namni kamiyyuu fuudhaafi heeruma, du'a, qabeenya, hojiiwwan daldalaa yookiin kan biroo yookiin qabeenya hin sochoone kan namoota dhuunfaa, hundeeffamuu yookiin hojmaata kubbaaniyyootaa yookiin ijoowwan dubbii gochoota kana fakkaatanii yookiin mirkaneessawwan galmeewwan mootummaa keessatti galmaa'uu qaban yeroo murtaa'e keessatti abbootii taayitaa dhimmi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yookiin kanuma sobaan kan galmeessise yoo ta'e ;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen, yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Beeksisuu dhabuun akkasii yookiin hojiin sobaan galmeessisuu kun irra deddeebi'amee kan raawwatame yookiin akka amaleeffannaatti kan qabatame yoo ta'e; yookiin, ajaja, yookiin waraqaa waamichaa seera qabeessa abbaan taayitaa dhimmi ilaallatu kenne mormuun yoo ta'e adabbichi hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma lama hin caalle ni ta'a.
3. Tumaan daa'ima godhachuu beeksisuu dhabuu ilaalchisee jiru kan eegamedha. (keewwata 656)

Keewwata 435. Mariiwwan Yookiin Sanadoota Mootummaa Akka Hin Ibsamne Dhorkaman Ibsuu

Namni kamiyyuu mirga osoo hin qabaatiin yookiin ifatti osoo hin hayyamamiiniif bu'uura seeraatiin yookiin bu`uura murtii ifa ta'een abbaa taayitaa mootumma dhimmichi ilaallatu irraa kennameefiin sanada, gabaasa, qajeelfama, qaboo yaa'ii yookiin murtii iccitii ta'ee eegamuu qabu guutummaan guutuutti yookiin gartokkeen sabqunnamtiileef kan ibse yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 436. Karaa Seeraan Ala Ta'een Mirga Kabachiisuu

Namni kamiyyuu osoo mirga hin qabaatiin yookiin karaa faallaa seeraa ta'een:

(a) meeshaa qabsiisaan yookiin wabummaan dabarsee kenne osoo namni harkaa fuudhe hin hayyaminiif yookiin sababuma meeshaa kanaan himanni dhihaatee falmiirra osoo jiruu kan fudhate yoo ta'e;
(b) kaffaltii kaffalamuufii qabu argachuuf jecha qabeenya abbaa idaa ta'e mi'a socho'aa kamiyyuu kan irraa fudhate yoo ta'e; yookiin
(c) akkuma waliigalaatti mirga hin qabne yookiin bu'uura seeraatiin ittiin hojjechuu hin dandeenye kan itti fayyadame yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa waggaa tokko hincaalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 437. Seeraan Ala Aangoo Qabachuu

1. Namni kamiyyuu, kaayyoo seeraan ala ta'eef, yookiin faayidaa argachuuf yookiin argamsiisuuf yaaduun aangoo abbaa taayitaa yookiin koomishinii tokkoo, mallattoo addaa, gonfa yookiin ajaja ofiiseelawaa ta'e kennuu aangoosaa godhachuun kan itti tajaajilame yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame nama biroo miidhuuf yookiin miidhaan akka irra gahu taasisuuf yoo ta`e, adabbichi hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 438. Hojii Mootummaa Gufachiisuufi Dirqama Deeggarsaa Cabsuu

Namni kamiyyuu haala hojii mootummaa waliin walqabteen, bu'uura seeraan hayyamameen yookiin ajaja mana murtiin kennameen hojjetaa mootummaan yommuu gaafatamu dhihaatee ibsuuf, deebii barbaachisaa kennuuf, sanadoota dhiheessuuf yookiin qorachiisuuf yookiin manneen, iddoowwan yookiin wantoota adda addaa sakattaasisuuf kan dide yoo ta'e; walumaagalatti qorannaaf kan hin deeggarre yoo ta'e yookiin karaa biroo kamiiniyyuu hojii mootumma kan gufachiise yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 439. Saamsama Tarsaasuu, Cabsuufi Mi'oota Fudhachuu

Namni kamiyyuu aangoo seeraa osoo hin qabaatiin itti yaadee;

(a) mi'a, barreeffama yookiin sanada tokko eeguuf, kaa'uuf, addaan baasuuf yookiin haguuguuf yookiin gara iddoo kamiittuu galuu dhorkuuf chaappaa, mallattoo yookiin mallattoo addaa ofiiseelawaa taasifame kan kaase, kan balleesse yookiin kan cabse yookiin karaa kamiiniyyuu chaappaan,

www.abyssinialaw.com

mallattoon, yookiin mallattoon addaa akkasii bu'aa akka hin arganne kan taasise yoo ta'e; yookiin

(b) mi'a, barreeffama yookiin sanada qabame, dhaalame yookiin sababa kamiiniyyuu abbaa taayitaa yookiin nama birootiin eeggannoon akka qabamu yookiin eegamu itti kenname kan hate, faayidaa dhuunfaa isaa irra kan oolche, kan mancaase yookiin kan balleesse yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 440. Mormuufi Ajajamuu Diduu

1. Namni kamiyyuu sababa gahaa osoo hin qabaatiin:

(a) hojjetaan mootummaa dirqama hojii ofiiseelawaa ta'e raawwatu hojii isaa akka hin raawwanne kan morme yoo ta'e;

(b) walga'ii seeraan alaa irraa akka bittinnaa'u yookiin iddoo dhorkamaa tokkorraa akka gadi lakkisu, yookiin gubaatiin, dambaliin yookiin sababa taatee biroo kan fakkaatuun ummatarra balaan akka hin geenye ittisuuf tarkaanfii fudhatamu irratti akka hirmaatu hojjetaan mootummaa hojii isaa raawwachaa jiruun yommuu gaafatamu hin ajajamu kan jedhe yoo ta'e; yookiin

(c) bu'uura seeraan murtii abbaa taayitaa dhimmi ilaallatuun kenname raawwachuu yoo baate, keewwata kana jalatti adabbiin tumame kan itti murtaa'u ta'uun isaa of eeggannoon barbaachisaa kennameefii osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Mormuun yookiin ajajamuu diduun kun humna, doorsisa, hojii humnaa yookiin harka darbuu kan hordofsiise yoo ta'e; tumaan Keewwata 441 jalatti ibsame raawwatamaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 441. Gocha Humnaafi Dirqisiisuu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) hojjetaan mootummaa tokko gocha dirqama hojii isaa ta'e akka hin raawwanne doorsisaan, dirqisiisuun, yookiin gocha humnaan kan gufachiise yookiin dirqama isaa kana akka raawwatu yookiin wanta raawwachuu hin qabne akka raawwatu kan dirqisiise yoo ta'e; yookiin
   (b) hojjetaa mootummaa yookiin nama hojiin isa deeggaru kan reebe yookiin gocha humnaa yookiin dirqisiisuu yookiin gocha dirqisiisuu biroo kamiiniyyuu kan irratti raawwate yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen ni adabama.

2. Akka ulfaatina badichaafi sadarkaa hojii miidhamtichaatti, miidhamtichi meeshaa waraanaan yookiin meeshaa kan biroon kan itti dhaadatame, kan dirqisiifame yookiin kan reebame yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.
3. Harka darbuun yookiin gochichi humnaa miidhamticharratti miidhaa qaamaa yookiin hir'ina fayyaa kan hordofsiise yoo ta'e; tumaan roga qabeessi yakkoota dachaa ilaallatu raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 442. Gocha Gamtaan Raawwatamu

Doorsisaan, dirqisiisuun, yookiin gochi humnaa walga'ii addabaabayii dhorkametti yookiin jeequmsaan kan raawwatame yoo ta'e; tumaaleen dhimmi ilaallatu dabalataan ni raawwatamu /keewwata 484 fi 488/.

Mata Duree Afur

Yakkoota Bulchiinsa Haqaarratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Adeemsa Hojii Abbaa Seerummaa Irratti Raawwataman

www.abyssinialaw.com

Keewwata 443. Yakka Beeksisuu Dhabuu

1. Namni kamiyyuu sababa gahaa osoo hin qabaatiin:
   (a) yakki du'aan yookiin hidhaa cimaa umurii guutuun adabsiisu raawwatamuu isaa yookiin eenyummaa yakkamtichaa osoo beekuu abbootii taayitaa dhimmi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e; yookiin
   (b) seeraan yookiin dambiilee ogummaatiin tasgabbii ummataaf yookiin nageenyaafi sirnaaf jecha yakkoota tokko tokko yookiin haalawwan ciccimoo tokko tokko abbootii taayitaa dhimmi ilaallatutti beeksisuuf dirqama osoo qabuu dirqama isaa osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e;

   adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

2. Seera kana keewwata 254 fi 335 jalatti kan tumaman akka eegamanittidha.

Keewwata 444. Yakka Eertotaafi Ragabaatota Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu, yakka ilaalchisee nama eeruu yookiin odeeffannoo qaamota haqaaf kennerratti yookiin nama ragummaaf dhihaate irratti hubaatii, dhiibbaa yookiin miidhaa kamiiniyyuu kan qaqqabsiise yoo ta'e; hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama**.**
2. Yakkichi miidhamaarratti miidhaa qaamaafi fayyaa cimaa ta'e yookiin du'a kan hordofsiise yoo ta'e; tumaaleen dhimma kana ilaalchisee tumaman rogummaa qaban dabalataan raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 445. Dhoksuufi Gargaaruu

Namni kamiyyuu osoo beekuu nama yakkaan himatamu dursee akeekkachiisuunis ta'e dhoksuun yookiin meeshaa yakkicha ittiin raawwate yookiin faana isaa dhoksuun yookiin balleessuun qorannoo taasifamu dogoggorsuun yookiin karaa biroo kamiiniyyuu himatamee akka hin dhihaanne kan gargaare yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 446. Hojii Haqaa Dogoggorsuu

Namni kamiyyuu:

(a) kan hin raawwatamne ta'uu isaa osoo beekuu yakki tokko raawwatameera jedhee sobaan abbootii taayitaatti kan beeksise yookiin sababa kamiiniyyuu yoo ta'e yakka ofii isaatiif hin raawwanne raawwadheera jechuun kan of himate yoo ta'e;yookiin

(b) qorannoo yakkaa yookiin adeemsa himannaa ilaalchisee osoo beekuu odeeffanoo sirrii hin taane abbootii taayitaaf kan kenne yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 447. Sobaan Yakkuu Yookiin Himachuu

Namni kamiyyuu:

(a) qulqullummaa nama biroo osoo beekuu yakka inni hin raawwanneen abbaa taayitaa biratti kan isa yakke yoo ta'e; yookiin

(b) mala biroo kamiiniyyuu, keessumattuu, nama qulqulluu ta'e yakka hin raawwanneen akka himatamu karoorsee yakki kan raawwatame fakkeessuun yookiin maqaa isaa osoo hin ibsiin yakkuu sirrii hin taaneen nama biroo kan himate yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shan hincaalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama. Ta'us, yakkuun sobaan dhihaate nama sobaan yakkame irratti adabbii armaan olitti ibsame caalu kan hordofsiise yoo ta'e, hanga adabbii nama qulqulluu irratti murtaa'een ni adabama.

Keewwata 448. Haqaaf Deeggarsa Kennuu Diduu

1. Manni murtii yookiin qaamni aangoo abbaa seerummaa fakkaatu qabu dhimma qabate irratti himatamtummaan, ragummaan yookiin ragummaa ogeessa addaa ta'uun yookiin turjumaanummaan, immaanyummaan yookiin qeeqxummaan akka

www.abyssinialaw.com

gargaaru bu'uura seeraan kan waamame yookiin himatamaa yookiin ragaa akka dhiheessu yookiin akka ergu kan ajajame namni kamiyyuu:

(a) sababa gahaa osoo hin qabaatiin kan hafe yookiin dhihaachuu kan dide yoo ta'e;

(b) himatamaa yookiin ragaa kan hin dhiheessine yookiin kan hin ergine yoo ta'e; yookiin

(c) dhihaatee haala faallaa seeraa ta'een gaaffii gaafatameef deebii kennuu yookiin akka ajajameetti raawwachuuf hayyamamaa kan hin taane yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a lama hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma t okko hin caalleen ni adabama.

2. Balleessichi haala keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsameen yakka raawwate ilaalchisee sababni dhiheesse soba ta'ee kan argame yoo ta'e; hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.
3. Namni kun sababa sobaa dhiheessuun dirqama isaarraa kan of hambise yoo ta'e, yakka waliin dhahuu raawwateen adabbiin hidhaa salphaa isarra gahuu qabu hanga fiixee adabbii idilee gahuu kan danda'u yoo ta'u, keessumattuu, sanada yookiin waraqaa ragaa sobaan yommuu fayyadametti dambiin adabbii murtaa'uu akkuma eegamettidha.
4. Yakkichi kan raawwatame mana murtiitti yookiin qaama aangoon abbaa seerummaa kennameef kan biroo duratti yoo ta'e, manni murtichaa yookiin qaamni aangoon abbaa seerummaa kennameef kan biroo beellama osoo hin kenniin battalumatti adabbii armaan olitti ibsame murteessuu ni danda'a.

Keewwata 449. Mana Murtii Jeequu

1. Namni kamiyyuu yommuu mana murtiitti qorannoon gaggeeffamu yookiin hojiin murtii yommuu gaggeeffamutti :

(a) mana murtichaa yookiin abbaa seeraa hojii abbaa seerummaa raawwataa jiru haala kamiiniyyuu kan arrabse, kan jeeqe yookiin isaan irratti kan baace yookiin kan dhaadate yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) hojii mana murtichaa karaa kamiiniyyuu kan jeeqe yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma sadii hin caalleen ni adabama.

Manni murtichaa beellama osoo hin kenniin battalumatti adabbii murteessuu ni danda'a.

2. Yakkichi kan raawwatame dhaddachaan ala ta'ee, abbaan seerichaa hojii isaa raawwachaa yommuu jirutti yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalle ni ta'a.
3. Yakkichi kan raawwatame dhaddacha irratti yookiin iddoo kamittiyyuu yeroo hojiin abbaa seerummaa raawwatamutti ta'ee humnaan yookiin dirqisiisuun yoo ta'e, tumaan rogummaa qabu /keewwata 441/ dabalataan ni raawwatama.

Keewwata 450. Iccitii Adeemsa Murtii Ibsuu

1. Namni kamiyyuu hayyama seeraa yookiin sababa dhiifama kennisiisuu danda'u osoo hin qabaatiin ijoo dubbii haala isaatiin iccitii ta'e yookiin manni murtii dhimmichi dhihaateef dhimmichi iccitii ta'ee akka eegamu kan murteesseefi adeemsa murtii dhimmichaa irratti sababa argameen kan beeke kamiyyuu kan ibse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen ni adabama.

2. Balleessichi yakkicha kan raawwate hojii ogummaa dhuunfaa isaan yookiin sababa hojjetaa ta'uu isaan iccitii argate ibsuun yoo ta'e; tumaaleen rogummaa qaban /keewwata 397,399/ raawwatamoo ni ta'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 451. Adeemsa Murtii Ilaalchisee Gabaasa Sirrii Hin Taane Yookiin Dhorkame Ibsuu

1. Namni kamiyyuu, dhimmoota mana murtiitti beellamarra yookiin dhagahamaa jiran yookiin murtii hin arganne ilaalchisee odeeffannoo, yaadannoo, ijoo dubbii yookiin gabaasa sirrii hin taane yookiin kan dabe kan ibse yoo ta`e;
   adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti, keessumattuu yaanni hawaasichaa akka jeeqamu yookiin nama biroo irratti miidhaan akka gahu taasisuu kan danda'u yommuu ta'u; hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.
2. Dhimma seeraan yookiin ajaja mana murtiin dhorkame ibsuun kan adabsiisu tumaa rogummaa qabuun ta'a /keewwata 435/.
   Akkaataan ibsi itti raawwatame seeraan alaafi dogoggora yoo ta'eefi gochichi yaadamee kan raawwatame yommuu ta'u, manni murtichaa bu'uura yakkoota dachaa ilaalchisee tumameen adabbicha ni cimsa /keewwata 184/.

Boqonnaa Lama

Yakka Hojii Dhugummaafi Amanamummaa Adeemsa Hojii Haqaaf Taasifamuu Qabu Irratti Raawwatamu

Keewwata 452. Jecha Sobaa Garee Falmataan Tokko Kennu

1. Garee falmataan kamiyyuu mana murtiitti yookiin qaama aangoo abbaa seerummaa fakkaatu qabu biratti dhihaatee dhugaa akka dubbatu ajajamee mana murtichaan yookiin qaama aangoo abbaa seerummaa fakkaatu qabuun ijoo murtaa'u irratti ijoowwan dubbii rogummaa qaban ilaalchisee osoo beekuu jecha sobaa kan kenne yoo ta'e;
   bu'aa inni barbaadu osoo hin argamiin yoo hafellee, hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen; yookiin jecha sobaa kan kenne adeemsa himannaa yakkaa irratti ta'ee murtii haqadhabeessa ta'e kan hordofsiisuu danda'u yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Garee falmataan dhugaa dubbachuuf kakatee yookiin mirkaneessa kan kenne yoo ta'e, keessumattuu bu'aan barbaadame gartokkeen yookiin guutummaatti kan argame yoo ta'e;
   addabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.
3. Falmii sirrii hin taane kan garee falmataan faayidaa isaa kabachiisuuf jecha dhiheessuuf tumaaleen keewwata kanaa raawwatamoo hin ta'an.

Keewwata 453. Ragummaa, Yaada Yookiin Hiika Sobaa

1. Adeemsi hojii abbaa seerummaa yookiin abbaa seerummaa fakkaatu qabu yommuu gaggeeffamu namni ragaa ta'ee dhihaate kamiyyuu garee falmataa kamiyyuu fayyaduuf yookiin miidhuuf yaadee ragummaa yookiin yaada ogummaa addaa sobaa kan kenne yoo ta'e, yookiin dhugaa kan dhokse yoo ta'e;
   yaanni inni karoorfate galma kan hin geenyeef yoo ta'ellee; hidhaa salphaan yookiin; dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Ragichi dhugaa dubbachuuf kakatee yookiin mirkaneessa kennee yoo ta'e, keessumattuu bu'aan barbaadame gartokkeen yookiin guutummaan kan argame yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ta'a.

   Ta'us, sababa gocha ragichaan dhimma yakkaatiin himatamaa irratti murtiin balleessummaa kan kenname yoo ta'e; yookiin hidhaa cimaan waggaa kudhanii ol kan itti murtaa'e yoo ta'e, hammi adabbii dogoggoraan nama ragaan irratti bahame irratti murtaa'e ragabahaa sobaa sana irratti murtaa'uu ni danda'a.
3. Aangoo abbaa seerummaa yookiin qaama aangoo abbaa seerummaa fakkaatu qabuun ijoo murtaa'uun ijoo dubbii rogummaa qabu irratti turjumaanni yookiin turjumsiisaan hiika sobaa kennu kamiyyuu akkuma dhimmichaatti adabbiin armaan olitti keewwata xiqqaaa (1) yookiin (2) jalatti ibsame irratti ni murtaa'a.
4. Ragummaan yookiin yaanni ogummaa addaa sobaa, sobaan gadi lakkifamuun yookiin hiiksifamuun irra gahamee murtii manni murtii yookiin qaamni aangoo abbaa seerummaa fakkaatu qabu kennu irratti dhiibbaa geessisuu kan hin dandeenye yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa waggaa lama hin caalle ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 454. Jecha Sirreessuu Yookiin Jijjiiruu

Ragummaan yookiin yaanni ogummaa addaa sobaa, sobaan gadi lakkifamuun yookiin hiiksifamuun nama biroo irratti miidhaa geessisuufi murtiin dhumaa kennamuun dura balleessichi fedhii isaatiin jecha isaa kan sirreesse yookiin kan jijjiire yoo ta'e, manni murtichaa haala addaatiin adabbicha ni salphisaaf /keewwata 180/.

Yakkichi yookiin balaan yakkichi hordofsiisu salphaa ta'ee, gochi sirreessuu yookiin jijjiiruu kan raawwatame dhugummaan yoo ta'e, akkuma haala dubbichaatti manni murtichaa balleessicha dheekkamuufi akeekkachiisa kennuufiin adabbii biroo kamiyyuu irraa bilisa taasisuu ni danda'a.

Keewwata 455. Kakaasuufi Sossobuu

1. Namni kamiyyuu kennaan, abdiin, doorsisaan, dabaan yookiin gowwomsuun, dhagahamummaa isaatiin sossobuun yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu nama biroo qaama dhimmi ilaallatu duratti, adeemsa abbaa seerummaa yookiin abbaa seerummaa fakkaatu irratti sobaan akka yakku, ragaa akka bahu, yookiin gabaasa, hiika yookiin iyyannoo sobaa akka dhiheessu kan kakaase yookiin kan sossobe yoo ta'e;
   haalli raawwannaafi amala isaa yakka kakaasuu ilaalchisee bu'uura kutaa waliigalaa /keewwata 36/ jalatti tumameen kan isa adabsiisu yoo ta'e malee hojiin inni karoorfate kan hin raawwatamne yoo ta'ellee, hidhaa salphaan ni adabama.
2. Namni kamiyyuu gocha humnaa hojjechuun, gocha doorsisa yookiin sodaachisuu raawwachuun, yookiin faayidaa hin malle kennuun yookiin dhiheessuun yakkoota hidhaa cimaa waggaa lamaa oliin adabsiisan irratti himannaan sobaa akka dhihaatu yookiin ragummaan sobaa akka kennamu kan taasise yookiin kenniinsa ragummaa yookiin ragaa walitti qabuu irratti gidduu seenuun kan gufachiise yoo ta'e; yookiin hojjetaa mootummaa hojii seera kabachiisuu yookiin hojii idilee isaarratti bobba'e gidduu seenuun kan jeeqe yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 456. Falmii Irratti Waliin Dhahuu

Namni kamiyyuu, dhimmoota armaan olitti ibsamaniin ala adeemsa hojii abbaa seerummaa yookiin kan abbaa seerummaa fakkaatu irratti faayidaa qabatamaa yookiin kan hamilee argachuuf; haala fayyadu yookiin miidhuun kenniinsa murtii irratti dhiibbaa uumuuf karoorfatee, mana murtii yookiin qaama aangoo abbaa seerummaa fakkaatu qabu dogoggorsuuf, ragaa gufachiisuuf, yookiin adeemsa murtii sirrii dabsuu yaaduun:

(a) sanada mirkaneessa abbaa qabeenyummaa nama biroo ta'e, sanada yookiin ciraa yookiin ragaa balleessummaa akaakuu kamiiniyyuu kan dhokse, hate, balleesse, mancaase yookiin gartokkeenis ta'e guutummaan akka hin taajaajille kan taasise yoo ta'e; yookiin

(b) haala bakkawwanii, mi'ootaa yookiin namootaa kan dhokse, kan fooyyesse, kan mancaase yookiin kan jijjiire yoo ta'e;

yakkichi tumaa biroon adabbii olaanaa ta'e kan adabsiisu yoo ta'e malee;

hidhaa salphaan, yookiin yakkichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

Keewwata 457. Adeemsa Haqaa Dabsuuf Gocha Oduu Ibsuu Dabaan Raawwatamu

Namni kamiyyuu, dhimma mana murtiitti dhihaatu yookiin mana murtiitti ilaalamaa jiru irratti himatamticha yookiin miiltoo isaa akeekkachiisuunis ta'e abbaa seeraa, ragaa namaa, ragaa ogeessa addaa, yookiin walumaagalatti gargaaraa hojii mana murtii irratti miira dogoggoraa geessisuun karaa dogoggora ta'een murtii akka kennuuf dhiibbaa geessisuuf yaaduun, oduu, yaadannoo, yaada ijoo, qeeqa, gabaasa yookiin barruu qillisee sirrii kan hin taane yookiin kan dogoggorsu yookiin ijoo dubbii kan dabsu karaa kamiiniyyuu kan ibse yookiin kan tamsaase yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen; yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 458. Gocha Ganuu Faayidaa Garee Falmataa Tokko Irratti Raawwachuu

1. Abukaattoon, dubbifixaan yookiin gorsaan seeraa kamiyyuu mana murtiitti yookiin qaama aangoo abbaa seerummaa fakkaatu qabu duratti dhihaatee falmii akaakuu kamiyyuu akka falmu karaa ofiiseelawaa ta'een yookiin dhimma abbaa dhimmichaan bakka itti buufame faayidaa garee bakka isa buufatee aarsaa gochuun yookiin dhimma tokko irratti dhimma garee wal faalmitoota lamaanii walitti dabalee hojjechuun osoo beekuu dhimmicha kan jalaa balleesse yoo ta'e; hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Balleessichi yakkicha kan raawwate garee mormaan waliigaluun yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokko gadi ta'uu hin danda'u. Yakkicha kan raawwate jaalala maallaqaatiin yookiin faayidaa qabatamaa argachuuf yoo ta'e; adabbiin maallaqaa hanga qarshii kuma dhibba tokkoo gahuu ni danda'a.
   Yaakkichi kan raawwatame adabbii du'aa yookiin hidhaa cimaa umurii guutuun yakka adabsiisuun nama himatame irratti haala miidhaa geessisuun yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
3. Yakki keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen ni adabsiisa.

Boqonnaa Sadi

Yakkoota Raawwii Murtii Yakkaa Irratti Raawwataman

Keewwata 459. Adabbiilee Dabalataa, Tarkaanfilee Eeggannoo Ittisaafi Eegumsaa Kabajuu Dhabuu

Namni kamiyyuu adabbii dabalataa mirga irraa mulquu /keewwata 123/ yookiin tarkaanfii eeggannoo /keewwata 141-154/ erga itti murtaa'ee booda osoo beekuu dhorkaa yookiin dirqama seeraan itti murtaa'e kan cabse yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

keewwata biroon adabbii olaanaa kan adabamu yoo ta'e malee /keewwata 465/; adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin badichi ulfaataa yommuu ta'u hidhaa salphaa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 460. Adabbiifi Tarkaanfilee Eeggannoo Gufachiisuu

Namni kamiyyuu adabbiifi tarkaanfii eeggannoo mana murtiin yakkamaa tokko irratti murtaa'e haala kamiiniyyuu akka hin raawwatamne kan taasise yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 461. Miliquu Hidhamaa

1. Namni kamiyyuu akkaataa seeraan qabamee yookiin hidhamee iddoo jiruu kan miliqe yoo ta'e;
   hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame namoota irratti gocha dhaadachuu yookiin humnaa raawwachuun yookiin qabeenya irratti miidhaa geessisuun yoo ta'e;
   hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen ni adabsiisa.
3. Balleessichi yakka duraatiin kan itti murtaa'e yookiin murtaa'u yoo ta'e waa'ee yakkoota dachaa yookiin irradeddeebii tumaaleen ilaallatan akkuma haala isaatti raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 462. Hidhamaan Akka Miliqu Mijeessuufi Gargaaruu

1. Namni kamiyyuu hojjetaa mootummaa osoo hin ta'iin /keewwata 402/ namni akkaataa seeraatiin qabame yookiin hidhame akka miliquuf gocha humnaan, dirqisiisuun, doorsisaan, dabaan, dhagahamummaa dhuunfaa isaatiin garmalee tajaajilamuun yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu karaa kan mijeesse yookiin kan gargaare yoo ta'e;
   hidhaa salphaan ni adabama.
2. Adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taane, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'utti hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle kan ta'u:

www.abyssinialaw.com

(a) miliquun kan raawwatame, kan yaalame; yookiin kan mijaa'e hojii gamtaa gareen, meeshaa waraanaan yookiin meeshaa biroo kamiiniyyuu yoo ta'e; yookiin

(b) namni akka miliquuf gargaarsi taasifameef siviilii yookiin miseensa raayyaa ittisaa yoo ta'ellee, yoo xiqqaate yakkamaa hidhaa cimaan waggaa digdamaa itti murtaa'e yoo ta'edha.

3. Yakkamtichi karoora isaa milkeessuuf jeequmsa kaasee, gocha humnaa nama yookiin qabeenya irratti raawwatee, yookiin hojjetaa yookiin eegduu faayidaan sossobee, yookiin yakka dachaa biroo kamiiniyyuu raawwatee yoo ta'e, yakkoonni dachaa yommuu raawwatamanitti tumaaleen adabbii cimsuu ilaalchisee tumaman raawwatamoo ni ta'u /keewwata 63 fi 66/.

Keewwata 463. Booji'amtoonni Waraanaafi To'atamtoonni Loltummaa Miliquufi Akka Miliqan Gargaaruu

Tumaan keewwata 426 akka eegametti ta'ee, buufata yookiin iddoo loltoonni itti to'ataman addatti qophaa'e keessatti booji'amtoota waraanaa yookiin to'atamtoota loltuu argaman ilaalchisee adabbii yakkaa itti murtaa'een kan qabaman yoo ta'uu baatanillee tumaaleen armaan olitti keewwata 461 fi 462 jalatti ibsaman haala wal fakkaatuun raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 464. Fincila Hidhamtootaa

1. Namni kamiyyuu akka seeraatti qabamee akka turu yommuu taasifametti:

(a) abbaa taayitaa bulchiinsa mana hidhaa, eegduu yookiin bulchiinsa mana hidhaa yookiin nama to'annoo gaggeessuuf itti gaafatamummaan kennameef kamiyyuu gocha humnaatiin yookiin doorsisaan dirqama hojii isaa akka hin raawwanne yookiin gocha faallaa dirqama hojii isaa ta'e akka raawwatu dirqisiisuuf;

(b) namootuma kana keessaa kan dirqama hojii isaa raawwachaa jiru tokkorra balaa geessisuuf; yookiin

(c) namoota yookiin qabeenya irratti gocha humnaa raawwachuun miliquuf yaaduun fincila yookiin jeequmsa keessatti kan hirmaate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

adabbii itti murtaa'uu qabu yookiin itti murtaa'ee raawwataa jiru waliin dabalata kan ta'u hidhaa salphaa ji'a sadii irraa hanga waggaa shanii gahuun ni adabama.

2. Namni fincila qopheesse yookiin hoggane:
   (a) gochi humnaa yookiin dirqisiisuu yommuu hin raawwatamnetti, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen;
   (b) gochi humnaa yookiin dirqisiisuun kan raawwatame yoo ta'e;

   tumaaleen adabbii kana caalu hordofsiisan akkuma eegamanitti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.
3. Namoota yookiin qabeenyarra miidhaan kan gahe yoo ta'e, tumaaleen waliigalaa adabbii yakkoota dachaa cimsuu ilaalchisee tumaman raawwatamoo ni ta'u /keewwata 63,66/.

Keewwata 465. Dhorkaa Naannawaa Cabsuu

Namni kamiyyuu iddoo yookiin naannawaa tokkotti daangeffamee akka jiraatu yookiin iddoo murtaa'e tokko jiraachuu yookiin oolee buluu kan dhorku yookiin biyyaa akka bahu murtiin itti murtaa'ee osoo jiruu sababa humnaa ol ta'e osoo hin qabaatiin murtii kana kan cabse yoo ta'e;

barbaachisaa yoo ta'u tarkaanfii eeggannoo itti murtaa'ee inni cabse ol kaasuu danda'uun akkuma eegametti ta'ee, hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

Yeroon murtiin adabbichaa itti turu tarkaanfilee eeggannoo bilisummaa dhuunfaa hir'isan waliin hin herreegamu.

Mata Duree Shan

Yakkoota Filannooleefi Kenniinsa Sagalee Ummataarratti Raawwataman

Keewwata 466. Walga'ii Filannoof Taasifamuufi Adeemsa Filannoo Jeequufi Gufachiisuu

www.abyssinialaw.com

1. Namni kamiyyuu Walga'ii ummataa filannoo wajjin wal qabate kan seeraan hayyamame yookiin kenniinsa sagalee yookiin filannoo to'annoo abbootii taayitaa dhimmichi ilaallatuun seeraan taasifamu karaa seera qabeessa hin taane kamiiniyyuu kan jeeqe, kan dhorke, kan gufachiise yookiin akka addaan citu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.
2. Namoota yookiin qabeenyarratti gochi humnaa kan raawwatame yoo ta'e; yookiin doorsisaan amala lolaa yookiin jeequmsaa qabu kan ka'e yoo ta'e; tumaaleen rogummaa qaban dabalataan raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 467. Mirga Sagalee Filannoo Kennuu Yookiin Filatamuu Tuquu

1. Namni kamiyyuu dhaadannoon, dirqisiisuun, aangoo isaatti seeraan ala fayyadamuun yookiin gocha humnaatiin, waliin dhahuun keessumattuu maqaa jijjiiruun, beeksisa yookiin waamicha dhoksuun yookiin hambisuun yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu:
   (a) namni biroo mirga filuu yookiin filatamuu isaatti akka hin fayyadamne kan dhorke yoo ta'e; yookiin
   (b) tooftaa kana fakkaatuun namni biroo mirga isaatti karaa murtaa'aa ta'e tokkoon akka itti fayyadamu yookiin mirguma isaa kanatti osoo hin fayyadamiin hafuuf dirqama akka seenu kan taasise yookiin kan sossobe yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Namni kamiyyuu akka fedhii isaatti fayyadamuuf bu'uura mirga kennameefiin mirga filachuu isaa karaa murtaa'e tokkoon nama itti fayyadame yookiin osoo itti hin fayyadamiin dhiise irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e;

   adabbii armaan olitti ibsameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 468. Matta`aa Filannoo Irratti Kennamu

1. Namni kamiyyuu nama biroo mirga filachuu yookiin filatamuu qabu mirga isaatti karaa murtaa'een akka fayyadamu yookiin mirga isaa akka dhiisu taasisuuf karaa kallattii yookiin alkallattiin maallaqa, yookiin faayidaa akaakuu biroo kamiyyuu kan kenne, yookiin kennuuf waadaa kan gale yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Namni mirga filachuu yookiin filatamuu qabu kamiyyuu mirga isaa kanatti akka fayyadamu, yookiin karaa murtaa'e tokkoon akka itti fayyadamu yookiin osoo itti hin fayyadamiin akka hafu maallaqa yookiin faayidaa akaakuu biroo kamiyyuu kan fudhate yookiin fudhachuuf kan waliigale yoo ta'e; adabbii armaan olitti ibsameen ni adabama.

Keewwata 469. Hojmaata Hin Malle

1. Filatamaa kaadhimamaan kamiyyuu seeraan kan hayyamameen ala maallaqa duula filannoof ta'u nama, garee yookiin jaarmiyaa kamiyyuu irraa karaa kallattiinis ta'e al kallattiin kan walitti qabe yookiin kan fuudhe yoo ta'e; yookiin dambiilee herreegaa dorgommii filannoo murtaa'an kan hin kabajne yoo ta'e, yookiin herreega dorgommii filannoo keessatti baasii isaa itti yaadee xiqqeessee kan agarsiise yoo ta'e;
   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Namni kamiyyuu filatamticha kaadhimamaa irraa hayyama osoo hinargatin baasii filannoo filatamaa kaadhimamaa tokko haguuguuf maallaqa kan walitti qabe, kan kenne, yookiin karaa kamiiniyyuu gumaacha kan taasise yoo ta'e;
   adabbiin armaan olitti ibsame irratti ni raawwatama.
3. Namni kamiyyuu kallattiin yookiin karaa nama birootiin:
   (a) oduu yookiin haasaa sobaa namaan himsiisuun, walii barreessuun, barruu qilliseen, barreeffama maxxanfamuun yookiin fakkiin, barreeffama maxxanfamee bahuun, raadiyoon, mala sabqunnamtii biroo kamiiniyyuu tamsa`utti gargaaramuun; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) karaa biroo kamiiniyyuu waliin dhahuun, dabsuun yookiin hojmaata haqa qabeessa ta'een ala gargaaramuun, waliin dhahee sagalee filataa kan argate yookiin sagalee filataatiin garmalee kan fayyadame yookiin sagaleen isaa nama filatichi filateef akka hin tajaajille kan taasise yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 470. Waliin Dhahuu Galmeessuurratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) tarreeffama filannoo yookiin galmee filannoo keessatti maqaa yookiin gonfa sobaan yookiin dandeettii hin qabneen akka galmaa'u kan taasise yookiin dhabiinsa dandeettii seeraan beekame qabaachuu isaa osoo hin ibsiin kan galmaa'e yoo ta'e;
   (b) yeroo tokkotti tarreeffama yookiin galmeewwan filannoo lama yookiin lamaa ol ta'an keessatti maqaa isaa kan galmeessise yookiin seeraan ala waraqaalee sagaleen ittiin kennamu yookiin kan filannoo hedduu kan fudhate yookiin akka kennamaniif kan taasise yoo ta'e; yookiin
   (c) seeraan ala namoota lubbuun jiran, kan du'an, kan badan, yookiin kan lubbuun jiraatanii hin beekne kan galmeessise yookiin maqaa isaaniitiin waraqaa sagaleen ittiin kennamu kan fudhate yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Yakki keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame filatamaa kaadhimamaan yommuu raawwatamu adabbichi hidhaa cimaa waggaa lama hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 471. Gocha Waliin Dhahuu Yeroo Kenniinsa Sagalee Raawwatamu

Namni kamiyyuu filannoon beekamaa ta'e akaakuu kamiyyuu yommuu gaggeeffamu; filannichaan dura, yeroo filannichaa, yookiin filannichaan booda gocha raawwatamu akaakuu kamiiniyyuu keessumattuu:

www.abyssinialaw.com

(a) galmee filannoo, tarreeffama filannoo xumurame, yookiin sagaleen kan ittiin kenname waraqaa sagaleen ittiin kennamu fakkeessee hojjechuun, kan sobaa taasisuun, jijjiiruun, tooftaa nama dogoggorsuun irratti maxxansuun, yookiin hambisuun, balleessuun yookiin fudhachuun;

(b) yeroo filannoo tokkotti yeroo tokko ol sagalee kennuun;

(c) waraqaa sagaleen ittiin kennamu sanduuqa filannoo keessa buusuun yookiin sanduuqa filannoo keessaa baasee fudhachuun, yookiin karaa kamiiniyyuu nama seeraan ala iddoon jireenyaa seera qabeessi isaa naannoo filannoon itti gaggeeffamuun ala ta'e, dandeettii kan hin qabne, dandeettii kan dhabe, sagalee akka kennu, yookiin maqaa nama du'een yookiin lubbuun jiraatee hin beekneen sagaleen akka kennamu taasisuun yookiin waraqaa sagaleen ittiin kennamu sagalee kennuuf akka hin tajaajille kan taasifame, sobatti kan jijjiirame yookiin sobaan kan hojjetame osoo beekuu sanduuqa filannoo keessa galchuun; yookiin akka galu hayyamuun; yookiin

(d) waraqaa sagaleen ittiin kennamu sirritti lakkaa'uu dhabuun yookiin itti yaadamee sagalee kenname, waraqaa sagaleen ittiin kenname, maqaa yookiin mallattoo dhiisuun, yookiin mallattoo yookiin maqaa barreeffameen ala dubbisuun, yookiin qaboo yaa'ii adeemsa filannichaa yookiin bu'aa filannoo ofiiseelawaa irratti waan dhugaan alaa galmeessuun; yookiin

(e) bu'aa yookiin sanada filannoo hambisuun, dhoksuun, jijjiiruun yookiin balleessuun yookiin namoota isaan kana fudhachuuf aangoo hin qabnetti seeraan ala kennuun;

bu'aa filannoo sirrii ta'e kan dogoggorse yoo ta'e; hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 472. Dachaa Ta'uu Yakkootaa

Yakki waliin dhahuu yookiin sobatti jijjiiruu kan raawwatame mala qabatamaan yookiin qabatamaa hin taaneen dhoksaan yoo ta'e; tumaan adabbiin ittiin murtaa'u dhimmuma kana kan ilaallatu dabalataan raawwatamaa ni ta'a /keewwata 375,376/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 473. Eegumsa Iccitii Kenniinsa Sagalee Cabsuu

Namni kamiyyuu:

(a) filataan tokko mirga qabu haala kamiin akka itti tajaajilame yookiin sagalee isaa akka kenne karaa seeraa ala ta'een beekuu kan danda'e yoo ta'e; yookiin

(b) dhimma akaakuu akkanaa akka carraa erga beekee booda jechaanis ta'e gaazexaan yookiin tooftaa akaakuu birootiin itti yaadee ummataaf kan ibse yookiin oduu kan tamsaase yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 474. Waraqaalee Sagaleen Ittiin Kennamuufi Sanduuqota Filannoo Fudhachuufi Balleessuu

1. Namni kamiyyuu sanduuqa filannoo waraqaaleen sagalee ittiin kennamee hin lakkaa'amne qabatee jiru, yookiin waraqaalee sagaleen ittiin kennamu kan sanduuqicha keessa jiran hunda yookiin gartokkee isaa iddoodhaa kan kaase, akka milqfaman kan taasise yookiin kan balleesse yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame namoota tokkoo ol ta'aniin yookiin gocha humnaan yoo ta'e hoggantootaaf yookiin gaggeessitootaaf waa'ee adabbii cimsuu kan tumame akkuma eegametti ta'ee /keewwata 84(d)/ adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
3. Gochi humnaa yookiin dirqisiisuu buufata filannoo yookiin miseensota buufata filannoo irratti raawwatamu bu'uura tumaalee seera kanaa keewwata 440 hanga 442 tti ibsamaniin ni adabsiisa.

Keewwata 475. Adabbiilee Dabalataa

Yakki filannoo ilaalchisee raawwatame adabbii hidhaa kan murteessise yoo ta'e; manni murtichaa adabbii mirga hawaasummaa irraa yeroo murtaa'eef dhorkamuu yeroo kamiyyuu dabalataan murteessuu qaba /keewwata 123(a)/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 476. Sababoota Adabbii Cimsan

Yakkoota mata duree kana keessatti ibsaman keessaa tokko kan raawwate hojjetaa mootummaa yookiin bakka filannoo yookiin buufata sagaleen itti kennamutti nama miseensummaa ofiiseelawaan yookiin to'attummaan hojjetu yoo ta'e; gochichi aangoon garmalee fayyadamuun /keewwata 407/ yookiin iccitii mootummaa ibsuun /keewwata 397/, yookiin yakka kana fakkaatuun kan adabsiisu yoo ta'e malee adabbichi baay'ee yoo xiqqaate hidhaa salphaa ji'a tokko ta'ee fiixeen adabbichaa adabbii yakkichaaf tumame irratti walakkaa isaa dabaluun bu'aa argamudha.

Haalawwan isaa baay'ee cimaa yommuu ta'an yookiin yakkichi daddabalamee yommuu raawwatamu manni murtichaa adabbicha hidhaa waliin adabbii maallaqaa dabalataan murteessuu ni danda'a.

Mata Duree Jaha

Yakkoota Nageenya, Nagaafi Tasgabbaa'anii Jiraachuu Ummataa Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Nageenya Ummataa Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Yakkoota Yakkoonni Biroon Akka Raawwataman Kakaasan Yookiin Kakaasuu Danda'an

Keewwata 477. Hojii Hiiktummaa Balaafamaa Ta'e

1. Namni kamiyyuu qaama guutuu osoo qabuu bakka jireenyaa murtaa'e yookiin hojii idilee yookiin madda galii idilee yookiin beekamaa jireenya isaatiif barbaachisaa ta'e kan hin qabne ta'ee, amala hojii hiiktummaa yookiin haala jireenya badaan maallaqa argachuuf jedhee mala badaa balaaleffatamaa ta'e yaadee amaleeffatee

www.abyssinialaw.com

kan qabateefi jireenyuma isaa kanaan nageenyaafi tasgabbii ummataaf balaafamaa kan ta'e yoo ta'e;

hojii dirqamaa bilisummaa dhuunfaa hir'isu waliin kan murtaa'u /keewwata 104/, yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

2. Balleessichi meeshaa waraanaa yookiin meeshaalee uumama isaaniin yakka raawwachuuf tajaajilan qabatee kan argame yoo ta'e; hidhaa salphaan kan adabamu yoo ta'u, gocha doorsisa yookiin dirqisiisuu, yookiin namoota dhuunfaa irratti gocha humnaa yookiin harka darbuu kan raawwate yoo ta'e; tumaan yakkoota dachaa ilaalchisee tumame raawwatamaa ni ta'a.
3. Haalawwan yommuu madaalaman barbaachisaa ta'anii yommuu argamanitti manni murtichaa tarkaanfilee eeggannoo bilisummaa hir'isan /keewwata 144,149/ adabbii muummee irratti dabalee murteessuu ni danda'a.

Keewwata 478. Miseensummaa Raawwattoota Gocha Hamaa

1. Namni kamiyyuu namoota tokko yookiin tokkoo ol ta'an waliin ta'uun nageenya yookiin fayyaa ummataa irratti yookiin nama irratti yookiin qabeenya irratti yakka cimaa raawwachuuf yookiin yakkuma kana qopheessuuf kan korate yookiin namni biroo korannaa kana keessatti akka hirmaatu kan kakaase yoo ta'eefi korannichi gochaan kan ibsame yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jaha gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

   Kaayyoo tumaa kanaaf"yakka cimaa" jechuun yoo xiqqaate yakka hidhaa cimaa waggaa shaniin adabsiisudha.

2. Yakkamtoonni baay'ee kan ta'an yoo ta'e yookiin meeshaalee waraanaa yookiin meeshaalee biroo yakka raawwachuuf tajaajilan hidhatanii yookiin qabatanii kan argaman yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa ni ta'a.
3. Yakka cimaa biroo lubbuu yookiin qaama namaa, nageenya ummataa yookiin qabeenya irratti raawwatame, yakkoota cimaa akaakuu tokko yookiin addaddaa ta'an kan walitti aananii raawwataman, yookiin yakkoota cimoo meeshaa

www.abyssinialaw.com

waraanaan, baalawwan sammuu adoochaniin yookiin daldala namaa kan fakkaataniin balaafamuummaan addaa yakkichaa kan ibsame yoo ta'e; manni murtichaa tumaalee yakkoota dachaa bu'uureffachuun adabbii olaanaa seeraan tumame ni murteessa /keewwata. 63 fi 66/.

Keewwata 479. Dawoofi Gargaaraa Raawwattoota Gocha Hamaa Ta'uu

1. Namni kamiyyuu bu'uura seera kanaan miiltummaa (keewwata 37) ilaalchisee tumameen haalawwan adabsiisaniin ala:
   (a) hawaasa irratti, namoota dhuunfaa yookiin qabeenya irratti yakka raawwachuuf miseensota gareewwan yookiin waldaalee gocha hamaatiin osoo hin dirqamin osoo beekuu dawoo yookiin nyaata kan kenne, yookiin karaa biroo kamiiniyyuu kan gargaare, yookiin iddoo jireenyaa yookiin walga'ii kan kenne yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

   (b) doorsisaan yookiin haala kamiiniyyuu osoo hin dirqamiin jiraachuu, karoora, iddoo itti argaman, yookiin iddoo walga'ii gareewwan yookiin waldaalee kanaa osoo beekuu abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e;

   hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Gareen yookiin waldichi baay'ee balaafamaa yoo ta'e yookiin dawoo kennuun yookiin gargaaruun kan raawwatame amaleeffannaan yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taane ni ta'a.
3. Namni kamiyyuu bu'uura tumaalee seera kanaan miiltummaa /keewwata 37/ ilaalchisee tumameen haalawwan adabsiisaniin ala maallaqichi yookiin qabeenyi biroon:
   (a) yakka keewwata 262(1) yookiin (2), 481(2) yookiin (3), 499(2), yookiin 585 (3) jalatti tumaman raawwachuuf; yookiin
   (b) meeshaalee waraanaa fayyadamuun walitti bu'iinsa taasifamu keessatti nama hirmaannaa hin qabne yookiin siviilota ajjeesuuf yookiin qaama

www.abyssinialaw.com

isaarra miidhaa geessisuuf yookiin qabeenya irratti miidhaa cimaa geessisuuf yookiin mootummaan yookiin jaarmiyaan addunyaalessaa gocha tokko akka raawwatu yookiin raawwachuu irraa akka ofqusatu dirqisiisuuf yookiin ummata doorsisuuf karoora qabame raawwachuuf;

guutummaan yookiin gartokkeen akka oolu osoo beekuu, karaa kamiiniyyuu kallattiinis ta'e alkallattiin maallaqa yookiin qabeenya akaakuu biroo kamiiniyyuu kan walitti qabe, gocha raawwattootaaf kan kenne, yookiin kan dhiheesse yoo ta'e;

qabeenyichi hojiirra oolus, ooluu baatus hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahuun ni adabama.

4. Namni kamiyyuu bu'uura seera kanaan miiltummaa /keewwata 37/ ilaalchisee tumameen haalawwan adabsiisaniin ala gareen tokko yakka keewwata 262(1) (2), 481 (2)(3) , 499 (2), 585(3) yookiin keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsameen yakka akka raawwatu yookiin kaayyoon seeraan alaa garichaa hojiirra akka ooluuf gummaacha kamiyyuu kan taasise, yookiin yakka ibsame irratti bobbaasuuf nama kan file, yookiin deeggarsi isaa yakkoota ibsaman keessaa tokko raawwachuuf akka tajaajilu osoo beekuu raawwataa gochichaaf sanada imalaa yookiin waraqaa eenyummaa sobaa kan qopheesse yookiin meeshaa waraanaa dabalatee deeggarsa kamiiyyuu kan taasise yookiin tajaajila kan kenne yoo ta'e; adabbii keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsameen ni adabama.

Keewwata 480. Yakki Akka Raawwatamu Ifatti Kakaasuu Yookiin Yakkaan Baga Jechuu

Namni kamiyyuu jechaan, barreeffamaan, fakkiin, sochii qaamaan yookiin gocha biroon ifatti:

(a) hawaasarratti, nama dhuunfaa yookiin qabeenya irratti gocha humnaa yookiin yakka cimaa akka raawwatu nama biroo kan kakaase yoo ta'e;

(b) yakka akaakuu akkanaa yookiin raawwaticha kan faarse yookiin baga kan jedhe yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(c) kaayyoo isaa nama adabame waliin tokko taasisuun, gocha balleessichaa deeggaruun yookiin abbootii tayitaa balaaleffachuun adabbii maallaqaa akka kaffalu seeraan nama itti murtaa'eef kaffaltii adabbichaaf kan ta'u buusii maallaqaa kan gaafate yookiin kan walitti qabe yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 481. Meeshaa Waraanaa Daldaluu

1. Namni kamiyyuu mootummaa balaarra buusuu ilaalchisee tumaalee tumamaniin alatti /keewwata 256/:
   (a) hayyama osoo hin qabaatiin yookiin karaa faallaa seeraa ta'een meeshaalee waraanaa, wantoota dhohan, yookiin rasaasota akaakuu kamiyyuu kaayyoo daldaluutiin kan hojjete, biyya alaa irraa kan fichisiise, biyya alaatti kan erge, kan geejjibe, kan bite, kan fudhate, kan kaa'e, kan kuuse, kan dhokse, gurgurtaaf kan dhiheesse yookiin akka naanna'an kan taasise yookiin kan raabse yoo ta'e; yookiin
   (b) kaayyoo daldalaaf osoo hin ta'iin namoota shakkaman yookiin balaafamoo ta'aniif osoo beekuu meshaa waraanaa akaakuu kamiyyuu kan gurgure, kan dabarsee kenne, yookiin kan kenne yoo ta'e;

   mi'oonni jedhaman kun dhaalamuun isaanii osoo hin hafiin adabbii maallaqaafi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen, yookiin haalli isaa ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame lubbuu namaa, qaama, qabeenya, qabeenya uumamaa, naannoo irratti balaa kan hordofsiisu yookiin hordofsiisuu kan danda'u waahiyyoo niwukilaraa qabiyyee isaa jala gochuun, fudhachuun, fayyadamuun, wanta birootti jijjiiruun, naannessuun, raabsuun, yookiin maqsuun, hatuun yookiin waahiyyicha waliin dhahee harka ofiitti galfachuun yookiin akka harka isaa gahu gocha humnaa, doorsisa yookiin kan biroo kamiyyuu raawwachuun yookiin gochoota kana raawwachuuf doorsisaan kan raawwatame yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahuun ni adabsiisa.

www.abyssinialaw.com

3. Gochichi kan raawwatame, meeshaan waraanaa yommuu hojjetamu adda bahee akka beekamuuf sirna moggaasaa barbaachisu yookiin mootummaan dhimmi ilaallatu osoo hin hayyamiin, balleessichi biyya meeshichi waraanaa yookiin rasaasichi itti hojjetame yookiin warshaalame irraa abbaa taayitaa dhimmi ilaallatu irraa hayyama osoo hin argatiin yookiin bu'uura seeraan meeshicha irratti maallattoon addummaa osoo hin taasifamiin meeshaalee qaamajjiifi qaamolee addaddaa daldalaa meeshaa seeraan alaatiin argamaniin fayyadamee meeshaa waraanaa yommuu hojjete yookiin warshaale;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha lamaa gahu ni ta'a.

4. Balleessichi gochawwan ibsaman kan raawwate jaalala maallaqaatiin yookiin hojii ogummaa isaa taasisuun yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'u ni ta'a.
5. Seeronni hojimaata, qabannaafi itti fayyadama meeshaa ilaalchisanii bahan kan darbiinsa dambiitiin adabsiisan akkuma eegamanittidha /keewwata 808 fi 809/.

Kutaa Lama

Yakkoota Jeequmsa Ummataa Kakaasan Yookiin Kakaasuu Danda'an

Keewwata 482. Waldaaleefi Walga'iiwwan Dhorkaman

1. Namni kamiyyuu:
   (a) waldaa, garee, walga'ii yookiin yaa'ii seeraan, mootummaan yookiin abbaa taayitaa dhimmi ilaallatuun waliigalatti yookiin yeroo murtaa'eef dhorkame keessatti osoo beekuu kan hirmaate yoo ta'e; yookiin
   (b) osoo beeekuu waldaa, garee, walga'ii yookiin yaa'ii akkanaatiif manneen, iddoowwan yookiin mooraa maallaqaatiin yookiin tolaan akka itti tajaajilamu kan taasise yoo ta'e;

   adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Hogganaan, gurmeessaan yookiin ajajaan yakkichaa kan adabamu hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 483. Waldaalee Dhoksaa Yookiin Gareewwan Meeshaa Hidhatan

Hojiin yookiin walga'iin isaanii dhoksaa kan ta'e waldaalee seeraan alaa, yookiin gareewwan yookiin waldaalee seeraa ala ta'aniifi meeshaa hidhatan, keessumattuu leenjii loltummaaf yookiin dhukaasa didhoof yookiin ispoortiif akka hundaa'an fakkeessuun gareewwan yookiin waldaaleen beekaman yakka keewwata 479 jalatti ibsame yommuu raawwatan namni hirmaataa ta'e; hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Gaggeessaa, gurmeessaa yookiin miseensa beekamaa waldaa yookiin garee kanaa irratti adabbiin murtaa'u hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko gadi hin taane ni ta'a.

Keewwata 484. Walga'iiwwan Dhorkaman

1. Namni kamiyyuu daandii ummataa yookiin iddoo walga'ii ummataa irratti walga'ii seeraan dhorkame kamiyyuu irratti fedha isaan kan hirmaate yoo ta'e;

   adabbii maallaqaa qarshii kuma lama hin caalleen ni adabama.

2. Gaggeessaan, qopheessaan yookiin ajajaan yakkichaa kan adabamu hidhaa salphaa waggaa lama hin caalleen ta'a.
3. Walga'ii seeraan alaa namoota meeshaa qabataniin taasifame irratti yaadee namni hirmaate kamiyyuu hidhaa salphaa hanga waggaa shanii gahuu danda'uun ni adabama.
4. Haala armaan olitti keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsameen yakkichi yommuu raawwatamu, gaggeessaa, qopheessaa yookiin ajajaa yakkichaa kan ta'e yookiin namni meeshaa qabate; hidhaa salphaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii gahuu danda'uun ni adabama.
5. Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef walga'ii seeraan dhorkame kan gurmeesse yookiin kan gaggeesse yoo ta'e;

   adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 485. Oduun Ummata Shororkeessuu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) nageenya ummataa yookiin lubbuu, fayyaa yookiin qabeenya namoota dhuunfaaf balaan yaaddessaa ta'e keessumattuu balaan weeraraa, ajjeechaa namaa, gubiinsa abiddaa, badiinsaa yookiin saamichaa akka gahu sodaachisuun; yookiin
   (b) waa'ee haalawwan kanaa yookiin walumaagalatti waa'ee jeequmsa gahuu yookiin waa'ee badiinsa yookiin balaa uumamaa dhiheenyatti gahuu oduu sobaa facaasuun itti yaadee ummata kan shororkeesse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Adabbii olaanaa kan murteessisan tumaaleen rogummaa qaban akkuma eegamanitti ta'ee, haalawwan jeequmsaafi unkurama hamaa baay'ee ulfaataa ta'e fiduu danda'an yookiin kan fidan yoo ta'e; adabbichi hidha cimaa waggaa sadii hin caalle ni ta'a.

Keewwata 486. Oduu Sobaa Odeessuun Ummata Kakaasuu

Namni kamiyyuu haala yakkoota nageenya biyyaa irratti raawwatamaniin ala ta'een /keewwata 240,257 (e) fi 261(1)/:

   (a) mootummaa, abbootii taayitaa ummataa yookiin hojii isaaniirratti namni oduu sobaa, shakkii, yookiin hamii sobaa kan uumu yookiin facaasu kanarraa kan ka'eenis yaada ummataa kan jeeqe, kakaase, yookiin jeequu kan danda'u yoo ta'e; yookiin
   (b) sobaan yakkuu yookiin tooftaa biroo akaakuu kaminiyyuu shakkii kan babal'ise, jibbiinsa kan kakaase yookiin jeequmsa gocha humnaa yookiin kan siyaasaa, kan sanyii yookiin kan amantii kan kakaase yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin, yookiin yakkichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 487. Ibsoota Yaadaa Amala Kakaasuu Qaban

Namni kamiyyuu:

(a) iddoo ummanni walitti qabamu yookiin walga'ii kamirrattiyyuu gocha seeraan ala ta'eef kan kakaasu yookiin ibsa haasaa amala doorsisa qabu yookiin fakkii kan qopheesse, kan babal'ise, kan tamsaase, yookiin dhageessise yoo ta'e; yookiin

(b) abbaa taayitaa dhimmi ilaaluun ajajawwan seeraan kennaman yookiin seerotaafi dambiilee bahan ummanni akka mormu taasisuuf ifatti kan kakaase yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 488. Jeequmsa

1. Namni kamiyyuu walga'ii seeraan alaa nama yookiin qabeenya irratti; gocha humnaa gamtaan raawwatame irratti fedha isaan kan hirmaate yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a tokkoo gadi hin taaneen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Gurmeessaan, kakaasaan yookiin gaggeessaan yakkichaa hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin, yakkichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.
3. Nama yookiin qabeenya irratti gocha humnaa dhuunfaan namni raawwate kamiyyuu; yakki inni raawwate tumaa seeraa addaan adabbii olaanaa kan adabsiisu yoo ta'e malee, hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

Keewwata 489. Dhimmoota Ilaalchi Addaa Taasifamuuf

Gocha humnaa osoo hin raawwatiin yookiin akka raawwatamu osoo hin kakaasiin walga'ii dhorkame, hiriira, ibsa yaadaa amala kakaasuu qabu, yaa'ii seeraan ala ta'erraa yookiin doorsisa gamtaarraa fedha isaaniin yookiin hirmaattonni ajaja abbaa taayitaan bahanii deeman barbaachisaa yoo ta'e ceepha'amanii, yookiin

www.abyssinialaw.com

dheekkamamanii /keewwata 122/ adabbii biroorraa bilisa akka ta'aniif murteessuun ni danda'ama.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Nageenyaafi Tasgabbiin Jiraachuu Ummataa Irratti Raawwataman

Keewwata 490. Walga'ii Yookiin Yaa'ii Jeequu

1. Namni kamiyyuu walga'ii yookiin yaa'ii seeraan hayyamame kamiiniyyuu jechaan, doorsisaan, gocha humnaan, humnaan yookiin karaa biroo kamiiniyyuu seeraan faallaa taa'uun kan weerare, kan jeeqe, kan dhorke yookiin kan bittinse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan ilaallatu abbootii taayitaa, boordii yookiin komishinii ofiiseelawaa ta'e yookiin filannoo, gurgurtaa caalbaasii ofiiseelawaa ta`e yookiin hojii ummataa seera qabeessa ta'e kamiiniyyuu raawwachuuf walga'ii yookiin yaa'ii taasifame yoo ta'e; walgahichi yookiin yaa'ichi kan siyaasaa, bulchiinsaa, amala seera raawwachiistummaa yookiin abbaa seerummaa kan qabu yoo ta'ellee; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii dhibba shanii gadi hin taane ni ta'a.
3. Badichi kan raawwatame gareen yookiin meeshaa waraanaa yookiin meeshaa biroo qabachuun yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.

Keewwata 491. Gocha Jeequmsaa Badii Ofiitiin Itti Gaafatamummaan Ala Ta'uun Raawwatamu

Namni badii ofiitiin machaa'uun yookiin haala biroon guutummaan itti gaafatamummaan ala ofgalche yoo xiqqaate yakka hidhaa waggaa tokkoon adabsiisu kan raawwate yoo ta'e;

akka ulfaatinaafi guddina yookiin xiqqeenya gocha raawwatameetti adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 492. Nageenyaafi Miira Amantii Tuquu

Namni kamiyyuu itti yaadee ifatti:

(a) sirna amantaa, adeemsa ayyaaneffannaa yookiin gocha amantii hayyamame akka hin raawwatamne kan dhorke, kan jeeqe, yookiin kan tuffate yoo ta'e; yookiin
(b) iddoo, fakkii yookiin mi'a sirna amantaaf tajaajilu kan xureesse yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen yookiin hidhaa salphaa waggaa lama hin caalleen ni adabama.

Keewwata 493. Nageenyaafi Kabaja Namoota Du'anii Tuquu

Namni kamiyyuu:

(a) gaggeessa reeffaa yookiin sirna awwaalaa kan jeeqe yookiin kan salphise yoo ta'e;
(b) iddoo namni du'e itti boqote kan sarbe, xureesse, siidaa yookiin mallattoo awwaalichaa kan diige yookiin kan xureesse yookiin reeffa awwaalames ta'ee kan hin awwaalamiin kan salphise yookiin qaama isaa kan kute yoo ta'e;
(c) reeffa ifatti kan salphise yookiin kan rukute yoo ta'e; yookiin
(d) reeffa yookiin kutaa yookiin hambaa qaama reeffaa kamiiniyyuu kan fudhate, akka badu kan taasise yookiin kan bibittinneesse yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Mata Duree Torba

Yakkoota Nageenya Ummataa, Qunnamtiileefi Geejjibaalee Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Tasgabbiifi Nageenya Ummataa Irratti Raawwataman

www.abyssinialaw.com

Keewwata 494. Gubiinsa Abiddaa Geessisuu

1. Namni kamiyyuu namoota yookiin qabeenya irratti balaa waliigalaa geessisuu yaadee gamoo yookiin hojii qabatamaa akaakuu kamiyyuu, midhaan, oomishaalee qonnaa, bosona, mukkeen yookiin mi'oota biroo kan isaa yookiin kan nama biroo kamiiniyyuu abidda kan itti qabsiise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi balaa olaanaa kan hordofsiise yookiin miidhaan namoota yookiin qabeenyarra gahe kan babal'ate yoo ta'e; keessumattuu kan miidhaman gamoowwan ummataa, gamoowwan tajaajila ummataa, manneen jiraattonni keessa jiran yookiin jireenyaaf tajaajilan, mankuusaa nyaataa, mankuusaalee wantoota boba'anii yookiin dhohanii, bosonoota, albuudota, boollota boba'aa yookiin calaltoota boba'aa, dooniilee, xiyyaarota yookiin keessumattuu balaaf mijaawaa kan ta'an mi'oota biroo kamiyyuu yommuu ta'an;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 495. Balaa Uumamaa Geessisuu

Namni kamiyyuu namoota yookiin qabeenya irratti balaa geessisuuf yaadee balaa lolaa yookiin bishaaniin nyaatamuu, fottoqiinsa lafaa, diigama yookiin kan kana fakkaatan biroo kamiyyuu akka qaqqabu kan taasise yoo ta'e;

bu'uura armaan olitti keewwata 494 jalatti tumameen ni adabama.

Keewwata 496. Hojiilee Qabatamoo Yookiin Hojiilee Eegumsaa Miidhuu

Namni kamiyyuu namoota yookiin qabeenya irratti balaa geessisuuf yaadee gamoowwan elektirikii, yookiin bishaan ilaallatan yookiin humna uumamaa ittisuuf hojiilee hojjetaman keessumattuu ujummoolee, bo'oolee, kuusaalee, ittisaaleefi gadhiisaalee bishaanii, yookiin ittisaalee dambalii bishaanii kan mancaase yookiin kan diige yoo ta'e;

bu'uura armaan olitti keewwata 494 jalatti tumameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 497. Dhoosuu

Namni kamiyyuu namoota yookiin qabeenya irratti balaa qaqqabsiisuuf yaadee wantoota balaafamoo boba'aa, baaruda, dimaamitii yookiin kan kana fakkaatan biroo kamiiniyyuu akka dhohu kan taasise yoo ta'e;

bu'uura armaan olitti keewwata 494 jalatti tumameen ni adabama.

Keewwata 498. Yakkoota Dagannoon Raawwataman

Namni kamiyyuu armaan olitti keewwata 494 hanga 497 keessatti ibsaman keessaa tokko dagannoon kan raawwate yoo ta'e;

akka cimina yakkichaatti hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Balleessichi namoota yookiin qabeenya balaa ulfaataa ta'eef saaxilee kan argame yoo ta'e; manni murtichaa hidhaa salphaa murteessuu qaba.

Keewwata 499. Wantoota Dhohaniin, Boba'aniin Yookiin Summeessaniin Balaa Geessisuu

1. Namni kamiyyuu nageenya ummataa irratti balaa qaqqabsiisuuf karoorfachuun wantoota dhohaniin, yookiin salphaatti boba'aniin yookiin gaazota summeessaniin osoo beekuu lubbuu, fayyaa yookiin qaama namaa yookiin qabeenya nama biroo balaaf kan saaxile yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

   Balleessichi balaaf kan saaxile qabeenya qofa yoo ta'eefi miidhaan inni qaqqabsiise salphaa yoo ta'e adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taane ni ta'a.
2. Yakkichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuun kan adabsiisu; gochichi lubbuu yookiin qaama namaa irratti miidhaa qaqqabsiisuuf yookiin dinagdee irratti miidhaa cimaa kan qaqqabsiisu yookiin qaqqabsiisuu danda'uun addabaabayiitti, iddoo taajaajila ummataatti, dhaabbata mootummaa,

www.abyssinialaw.com

dhaabbata tajaajilli itti kennamu yookiin sirna irratti miidhaa qaqqabsiisuuf yaadamee dhaabbilee, tajaajiloota yookiin sirnoota eeraman irratti ejentoota baayolojikaalaa, wantoota summummaa qaban dhangalaasuun, gadhiisuun, facaasuun, yookiin lubbuu, yookiin qaama yookiin qabeenya namaa irratti miidhaa qaqqabsiisuuf humna kan qaban yookiin gocha kanaaf kan hojjetaman boba'ootaafi wantoota dhohan kaa'uun, darbachuun, dhoosuun kan raawwatame yoo ta'edha.

3. Namni kamiyyuu nageenya ummataa irratti balaa qaqqabsiisuuf karoorsuun osoo hin ta'iin haala armaan olitti ibsameen lubbuu, qaama, fayyaa yookiin qabeenya nama biroo itti yaadee balaaf kan saaxile yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

4. Namni kamiyyuu haala keewwata xiqqaa(1) jalatti ibsameen lubbuu, qaama, fayyaa yookiin qabeenya nama biroo dagannoon balaaf kan saaxile yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

5. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) yookiin keewwata xiqqaa (3)n yakki raawwatame salphaa ta'ee yommuu argamu, manni murtichaa bakka hidhaa salphaa hojii dirqamaa yookiin adabbii maallaqaa murteessuu ni danda'a.

Keewwata 500. Karaa Seeraan Ala Ta'een Wantoota Dhohan, Boba'an, Yookiin Summeessan Hojjechuu, Qabachuu, Dhoksuu, Yookiin Geejjibuu

1. Namni kamiyyuu kaayyoo seeraan ala ta'eef karoorfamuu isaanii osoo beekuu wantoota dhohan, boba'an, yookiin summeessan kan hojjete yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taane, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Namni biroon kaayyoo seeraan ala ta'eef itti fayyadamuuf ta'uu isaa osoo beekuu keewwata xiqqaa(1) jalatti wantoota ibsaman oomishanii baasuuf meeshaalee yookiin qajeelfamoota tajaajilan nama kanaaf kan kenne namni kamiyyuu;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taane, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

3. Namni kamiyyuu kaayyoo seeraan ala ta'aniif karoorfamuu isaanii osoo beekuu wantoota dhohan, boba'an yookiin summeessan yookiin mi'oota dheedhii isaan kana oomishuuf tajaajilan biyya alaarraa kan fichisiise, harkatti kan galfate, kan bite, yookiin kan biroof dabarsee kan kenne, kan biroo irraa kan fudhate kan kuuse, kan dhokse yookiin kan geejjibe yoo ta'e;

   gochicha kan raawwate gatiin yookiin tolaan ta'us, hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneen, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 501. Dambiilee Hojii Gamoo Cabsuu

1. Namni kamiyyuu hojii gamoo yookiin diigiinsa gamoo akaakuu kamiyyuu yommuu to'atu, gaggeessu, yookiin raawwatu dambiilee eeggannoo seeraan tumaman yookiin ogummaa yookiin muuxannoo hojii gamoo ittiin hojjetaman itti yaadee cabsuun nageenya ummataa yookiin lubbuu, fayyaa yookiin qaama namootaa, yookiin qabeenya nama biroo balaarra kan buuse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 502. Meeshaalee Yookiin Mi'oota Ittisa Balaa Gurmeessuu Dhabuu Yookiin Kaasuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) jaarmiyaa yookiin warshaa, iddoo albuudaa, yookiin iddoo hojii biroo kamiyyuu keessatti akka balaan hin qaqqabne ittisuuf meeshaa kaa'ame kan balleesse, kan kaase, kan mancaase, faayida qabeessuummaa isaa kan hambise, yookiin hojiin ala kan taasise yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) bu'uura seeraa yookiin ajaja abbaa taayitaa dhimmi ilaallatuun dirqama meeshaa hojii eegumsa nageenyaaf tajaajilu qopheessuu dhiisuun nageenya nama biroo balaarra kan buuse yoo ta'e;

hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 503. Balaa Ulfaataa Ummatarra Gahu Beeksisuu Dhabuu

Namni kamiyyuu balaa gubiinsaa, dhohiinsaa, lolaa yookiin balaa uumamaa kan ta'e yookiin kan hin taane lubbuu, fayyaa yookiin qabeenya namaa irratti miidhaa fiduu danda'u ofiisaa yookiin kanneen biroo irratti miidhaa osoo hin fidiin beeksisuu yookiin tarkaanfilee eeggannoo fudhachuu osoo danda'uu abbaa taayitaa yookiin qaamolee itti gaafatamummaa eegumsaa qabanitti kan hin beeksisne yookiin haala kamiiniyyuu balaan kun akka hin qaqqabne ittisuuf yeroosaatti tarkaanfilee eeggannoo barbaachisaa ta'an kan hin taasifne yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 504. Haalawwan Eegaman

Tumaaleen boqonnaa kanaa iddoowwan hojiifi hojiiwwan tajaajila ittisa biyyaaf yookiin loltummaaf hundeeffaman miidhuu yookiin mancaasuu, keessumattuu diiguu yookiin gufachiisuu raawwatiinsa tumaalee miidhaarra buusuu ilaallatan /keewwata 247(a),308,309 fi 327(a)/ hin hambisan.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Bilisummaafi Tasgabbii Geejjibaaleefi Qunnamtiilee Irratti Raawwataman

www.abyssinialaw.com

Keewwata 505. Hojiiwwan Qabatamoofi Tajaajiloota Faayidaa Ummataaf Hundaa'an Irratti Miidhaa Qaqqabsiisuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) ummataaf tajaajila kan kennan yookiin faayidaa ummataaf hojiirra kan oolan geejjibaalee yookiin qunnamtiilee lafaa, bishaanii, galaanaa yookiin qilleensaa, hojiilee ijaarsaa isaanuma kana haaromsuuf, suphuuf, irra deebiin hojjechuuf yookiin tajaajila akka kennan taasisuuf fayyadan dabalatee; yookiin
   (b) dhaabbilee yookiin tajaajilawwan poostaaf, teelegraafaaf, walqunnamtii bilbilaaf yookiin telekominikeeshinaaf walumaagalatti yookiin tajaajila bishaanii, ibsaa, gaazii, humnaa, yookiin ho'inaa ummataaf dhiheessuuf yookiin raabsuuf kan hundaa'an;

   hojmaata idileen kan dhorke, jeeqe, yookiin gufachiise yoo ta'e;

   hidhaa salphaafi adabbii maallaqaa, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame nama seeraan yookiin waliigalteen dirqamni irra jiruun yoo ta`e, keessumattuu hojiin yookiin dirqamoonni isaa kan addaan citan haalawwan humnaa ol hin taane yookiin seeraan, yookiin waliigalteen kan hayyamamaniin ala yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.

3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e adabbichi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalle, yookiin yakkichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle ni ta'a.

Keewwata 506. Qunnamtiileefi Geejjibaalee Balaa Ulfaataarra Buusuufi Mancaasuu

1. Namni kamiyyuu tajaajila geejjiba ummataa yookiin mi'aa, daandii, hadiida baaburaa, bishaan yookiin qilleensarra taasifamu walitti bu'iinsaaf, daandii

www.abyssinialaw.com

baburaarra baasuuf, akka liqimfamu, yookiin balaa biroo namoota yookiin qabeenya irratti miidhaa geessisu kamiifuu saaxiluuf keessumattuu:

(a) riqicha, hidha, ittisa dambalii, hojii qabatamaa hundeeffame, yookiin meeshaa to'annaa, ittisaa, mallattoo agarsisiftuu, yookiin geejjibaa mancaasuun, iddoodhaa jijjiiruun, diiguun yookiin akka hin tajaajille taasisuun;

(b) karaa, daandii baaburaa, bo'oo guddaa (kaanaalii) yookiin karaa walqunnamtii biroo kamiiyyuu irratti balaa fiduu kan danda'u gocha yookiin hojii raawwachuun yookiin gufuu kaa'uun;

(c) ajaja, mallattoo yookiin agarsiiftuu sobaa kennuun; yookiin

(d) dirqama, dambii, yookiin eeggannoof tumaalee barbaachisaa ta'an haala kamiiniyyuu cabsuun;

geejjiba ummataa akka hin hojjenne itti yaadee kan taasise, kan gufachiise, yookiin haala balaan irra gahuu danda'utti akka argamu kan taasise yoo ta`e;

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Yakki keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.
3. Adabbiin hidhaa cimaa hanga waggaa kudhanii kan gahu balleessichi osoo beekuu:
   (a) dirqama waliigaltee yookiin ogummaa irra jiru cabsuun gochicha kan raawwate yoo ta'e; yookiin
   (b) lubbuu, qaama yookiin fayyaa kanneen biroo balaarra kan buuse yoo ta'e yookiin qabeenya irratti balaa hedduu olaanaa ta'e kan qaqqabsiise yoo ta'edha.
4. Yakkichi dagannoon kan raawwatame dirqama hojii ogummaa yookiin waliigaltee cabsuun yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa salphaa ji'a tokkoo gadi hin taane ni ta'a.

5. Gochi yakkichaa dhaabbilee yookiin meeshaalee nageenya imala qilleensarraa yookiin galaanarraa tajaajilan barbadeessuun, mancaasuun yookiin hojmaata

www.abyssinialaw.com

isaanii gufachiisuuf gidduu seenuun kan raawwatame ta'ee xiyyaara balali'aa jiru yookiin doonii imalarra jiru balaaf kan saaxilu yoo ta'e;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shanii hanga waggaa digdamii shanii gahu ni ta'a.

6. Gochi keewwata xiqqaa shan (5) jalatti ibsame kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahu ni ta'a.

Keewwata 507. Bakka Dhaabbataafi Daangeffamaa Kontiineentaal Shalfiitti Argamu , Xiyyaaraafi Doonii Seeraan Ala Qabuu

1. Namni kamiyyuu humnaan, doorsisaan yookiin mala sodaachisuu biroo kamiiniyyuu, dabaan yookiin karaa seeraan alaa kamiiniyyuu bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu, xiyyaara tajaajila yookiin balali'arra jiru yookiin bakka qubannaa isaa dhaabbatee jiru, yookiin doonii tajaajila yookiin imalarra jiru yookiin buufata galaanaarra dhaabbate itti yaadee kan qabe yookiin to'annoo jala kan oolche yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudha shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Kaayyoo keewwata kanaafi keewwattoota arfan armaan gadii jiraniif:
   (a) "Xiyyaara tajaajilarra jiru" jechuun hojjettoonni geejjiba qilleensaa yookiin xiyyaara balali'a murtaa'eef qophii dursaa taasisan irraa eegalee xiyyaarichi erga qubatee booda hanga sa'aatii digdamii afuriitti yeroo jiru kan ilaallatudha.
   (b) "Xiyyaara balali'aa jiru" jechuun yeroo balballi xiyyaarichaa inni alaa cufame irrraa eegalee balballi isaa hanga banamutti yeroo jiru kan ilaallatu yommuu ta'u, xiyyaarichi dirqisiifamee kan qubate yoo ta'e yeroon kun xiyyaaricha, namootaafi qabeenya hunda gadhiisisuuf yeroo inni fudhatu ni dabalata.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 508. Bakka Dhaabbataafi Daangeffamaa Kontiineentaal Shalfiitti Argamu, Xiyyaara Yookiin Doonii Haala Yaaddessaarra Buusuu

1. Namni kamiyyuu bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiinentaal shalfiitti argamu, xiyyaara tajaajila yookiin balali'arra jiru yookiin bakka qubannaa dhaabbate, doonii tajaajila yookiin imalarra jiru yookiin bakka buufataa dhaabbate keessatti nama argamu irratti itti yaadee karaa seeraan alaatiin gocha humnaa kan raawwate yoo ta'eefi gochichi nageenya bakkichaa, xiyyaarichaa yookiin doonichaa balaarra buusuu kan danda'u yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudha shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Namni kamiyyuu bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu , xiyyaara tajaajila yookiin balali'arra jiru yookiin bakka qubannaa isaa dhaabbate, yookiin doonii tajaajila yookiin imalarra jiru, yookiin buufata galaanaa dhaabbate keessatti nama argamu irratti dagannoon gocha humnaa kan raawwate yoo ta'eefi gochichis nageenya bakkichaa, xiyyaarichaa yookiin doonichaa balaarra buusuu kan danda'u yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uun ni adabama.

Keewwata 509. Bakka Dhaabbataafi Daangeffamaa Kontiineentaal Shalfiitti Argamu, Xiyyaara Yookiin Doonii Irratti Balaa Qaqqabsiisuu

1. Namni kamiyyuu bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu yookiin xiyyaara tajaajila yookiin balali'arra jiru yookiin bakka qubannaa isaatti argamu yookiin doonii tajaajila yookiin imalarra jiru yookiin buufata galaanaa keessatti argamu itti yaadee karaa seeraan alaatiin kan barbadeesse yoo ta'e, yookiin wantoota kanneen keessaa tokko irratti miidhaa geessiseen tajaajilaaf, balali'aaf yookiin imalaaf gahaa akka hin taane kan taasise yoo ta'e, yookiin nageenyi tajaajilaa , balali'aa yookiin imalaa balaaf akka saaxilamu miidhaa taasisuu danda'u kan geessise yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa kudha shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Namni kamiyyuu bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu yookiin xiyyaara tajaajila yookiin balali'arra jiru yookiin buufata isaatti argamu yookiin doonii tajaajila yookiin imalarra jiru yookiin buufata galaanaa keessatti argamu dagannoon kan barbadeesse yoo ta'e, yookiin wantoota kana keessaa tokko irratti miidhaa dagannoon geessiseen tajaajilli, balala'iinsi yookiin imalli isaa gahaa akka hin taane kan taasise yoo ta'e, yookiin nageenyi tajaajilaa, balali'aa yookiin imalaa balaaf akka saaxilamu miidhaa taasisuu danda'u kan qaqqabsiise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uun ni adabsiisa.

Keewwata 510. Seeraan Ala Mallattooleefi Waamichawwan Gargaarsaa Taasisuu

1. Namni kamiyyuu dabaan yookiin sababa gahaa osoo hin qabaatiin qunnamtiilee irratti jeequmsi akka ka'u yookiin qunnamtiin akka addaan citu yaaduun seeraan ala mallattoo balaa yookiin gaaffii gargaarsaa yookiin ergaa baratame yookiin waliigaltee addunyaalessaatiin beekame kan dabarse, meeshaa nageenyaa yookiin akeekkachiisaatiin fayyadamuun ergaa akeekkachiisaa kan dabarse yookiin akeekkachiisa balaa telekoominkeeshinaatiin kan fayyadame yoo ta'e;

   hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi xiyyaara balali'arra jiru yookiin doonii imalarra jiru balaaf saaxiluuf odeeffannoo sobaa dabarsuun kan raawwatme yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shanii hanga waggaa digdamii shanii gahu ni ta'a.
3. Gochi keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame kan rawwatame dagannoon yommuu ta'etti, adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahu ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 511. Karaa Seeraan Alaatiin Wantoota Yookiin Meeshaalee Balaafamoo Ta'an Kaa'uu Yookiin Fe'uu

1. Namni kamiyyuu balaa geessisuuf yaadee geejjibaalee ummataa kan lafaa, qilleensaa, yookiin bishaanii irratti wantoota yookiin meeshaalee boba'an, dhohan, yookiin kallattiin kan summeessan, yookiin tuttuqamuun, dhukkaa`uun yookiin bittinaa`uufi urkaa`uun kan balleessan yookiin miidhan kan kaa'e yookiin akka kaa'aman kan taasise, kan fe'e yookiin kan feesise, qabatee kan imale yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uun ni adabama.
2. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) nageenya bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontiineentaal shalfiitti argamu irratti balaa buusuuf;
   (b) xiyyaara tajaajilarra jiru barbadeessuuf yookiin balali'aaf gahaa akka hin taane yookiin nageenyi balali'a isaa balaaf akka saaxilamu taasisuuf; yookiin
   (c) doonii barbadeessuuf yookiin fe'isa isaa yookiin doonicha irratti miidhaa geessisuuf yookiin nageenyi imala isaa balaaf akka saaxilamu taasisuuf;

   meeshaa yookiin mi'a dandeessisu kamiyyuu tooftaa kamiiniyyuu xiyyaaricha yookiin doonicha yokiin bakka dhaabbataafi daangeffamaa kontineentaal shalfiitti argamu irra kan kaa'e yookiin akka kaa'amu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa kudha shanii gahuun ni adabama.
3. Namni kamiyyuu balaa buusuuf yookiin miidhaa geessisuuf yaadee osoo hin ta'iin osoo beekuu dambiilee yookiin qajeelfamoota nageenya eegumsa tiraafikaa ilaalchisee bahan darbuun gochoota keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman keessaa tokko kan raawwate yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

4. Namni kamiyyuu geejjibaalee ummataa kan lafaa, qilleensaa yookiin bishaanii irratti yakkoota raawwataman ittisuufi to'achuuf itti gafatamummaan kan irra kaa'ame ta'ee osoo jiruu, dirqama hojii isaa dagannoon osoo hin ba'iin hafee,

www.abyssinialaw.com

geejjibaalee kanneen yookiin dhaabbilee isaaniirratti wantoonni yookiin meeshaaleen balaa geessisuu danda'an kaa'amanii yookiin fe'amanii kan argaman yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

5. Gochi keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahu ni ta'a.

Keewwata 512. Haala Ulfaataa

1. Yakkoota keewwata 505 hanga 511 jalatti ibsaman keessaa tokko itti yaadamee yommuu raawwatamu lubbuu, qaama yookiin fayyaa namaarratti miidhaan kan gahe yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun, yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'utti, hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabsiisa.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahu ni ta'a.

Keewwata 513. Hirmaannaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameefii

Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef kamiyyuu bu'uura seera kana keewwata 34 tiin tumameen yakkoota boqonnaa kana keessatti ibsaman keessaa tokkorratti hirmaataa yommuu ta'u; bu'uura seera kana keewwata 90 tiin ni adabama.

Mata Duree Saddeet

Yakkoota Fayyaa Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa Eegumsaa Cabsuu

www.abyssinialaw.com

Kutaa Tokko

Yakkoota Dhukkuboota Daddabarsuufi Naannoo Faaluun Raawwataman

Keewwata 514. Dhukkuba Namaa Daddabarsuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee dhukkuba daddarbaa namatti kan tamsaase yookiin kan dabarse yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Balleessichi:
   (a) yaada jibbiinsaan, haaloon, hammeenyaan yookiin salphummaan dhukkuba miidhaa ulfaataa yookiin du'a hordofsiisu nama birootti kan tamsaase yookiin dabarse yoo ta'e; yookiin
   (b) yaanni keewwata kana qubee (a) jalatti ibsame yoo jiraachuu baatellee dhukkuba miidhaa ulfaataa yookiin du'a hordofsiisu nama birootti kan tamsaase yookiin kan dabarse yoo ta'e; yookiin
   (c) dhukkuba golfaa /epidemic/ ta'e kan dabarse yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalleen yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 515. Dhukkuba Beelladaa Tamsaasuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee beelladoota manaa, lukkuuwwaniifi simbirroowwan madaqan kan lukkuu fakkaatan, bineeldota adamsaman, qurxummii, kanniisota yookiin bineeldota seeraan eegaman gidduutti dhukkuba kan tamsaase yoo ta'e;

   hidhaa salphaa yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Balleessichi:
   (a) yakkicha kan raawwate hammeenyaan yoo ta'e; yookiin
   (b) itti yaadee miidhaa olaanaa kan geessise yoo ta'e,

www.abyssinialaw.com

adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taane ni ta'a.

3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e;
   adabbichi hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 516. Ilbiisota Midhaanii Yookiin Bosonaa Baay`isuu

Namni kamiyyuu itti yaadee yookiin dagannoon ilbiisota yookiin jarmoota oomisha qonnaa ykn bosonaa irratti miidhaa kan geessisan jarmoota kan baay`ise yoo ta'e; bu'uura adabbii keewwata 515 jalatti tumameen ni adabama.

Keewwata 517. Bishaan Faaluu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee bishaan dhugaatii namaaf yookiin beelladootaaf tajaajilu wantoota fayyaa miidhaniin kan faale yoo ta'e;

   akka haala dubbichaafi hamma miidhichaatiin adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaa ji'a tokkoo gadi hin taaneen yookiin yakkichi ulfaataa yommuu ta'etti, hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame boollawwan bishaanii, kuusaalee, burqaawwan, galoowwan bishaanii, laggeen, yookiin haroowwan itti yaadee summeessuun yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle ni ta'a.
3. Gochi armaan olitti keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti ibsame kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa yookiin dubbichi salphaa yoo ta'e adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 518. Bakka Dheedichaa Faaluu

1. Namni kamiyyuu lubbuu yookiin fayyaa beelladootaa balaarraa buusuuf yaadee wantoota summaa'aa yookiin miidhaa geessisaniin bakkee dheedichaa yookiin dirree kan faale yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaan yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti, hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 519. Naannoo Faaluu

1. Namni kamiyyuu seera rogummaa qabu darbuun wantoota faalan gara naannootti kan gadhiise yoo ta'e;

   adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Faalumsichi lubbuu yookiin fayyaa namootaa yookiin naannoorratti miidhaa olaanaa kan geessise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
3. Balleessichi gocha kanaan tumaa seera yakkaa adabbii olaanaa hordofsiisu kan cabse yoo ta'e; tumaaleen waa'ee yakkoota dachaaf tumaman raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 520. Kosiifi Wanta Biroo Balaafamaa Ta'e Sirnaan Qabuu Dhabuu

Namni kamiyyuu:

   (a) kosii yookiin wanta balaafamaa bu'uura seerota rogummaa qabaniin kan hin qabne yoo ta'e; yookiin
   (b) kosii yookiin wanta balaafamaa ilaalchisee tarreeffama maxxanfamuu qabu kan hin maxxansine yoo ta'e; yookiin
   (c) kosii yookiin wanta balaafamaa hin hayyamamne kan naannesse yoo ta'e;

   adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen yookiin hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen yookiin lamaaniinuu ni adabama.

Keewwata 521. Gochoota Sakatta'a Dhiibbaa Naannoo Waliin Wal Faallessan Raawwachuu

Namni kamiyyuu sakatta'iinsi dhiibbaa naannoo akka irratti taasifamu piroojektii seeraan ajajame kamiyyuu qaama ilaallatu irraa hayyama osoo hin argatiin hojiirra

www.abyssinialaw.com

kan oolche yoo ta'e; yookiin kanuma kan ilaallatu ibsa sobaa kan dhiheesse yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 522. Tarkaanfilee Eeggannoo Fayyaa Eeguufi Kunuunsuuf Seeraan Tumaman Cabsuu

1. Namni kamiyyuu tarkaanfilee eeggannoo dhukkuba namaa daddarboo ittisuuf, daangessuuf yookiin dhaabuuf seeraan tumamaan itti yaadee kan cabse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa lama hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma sadii hin caalle ni ta'a.
3. Tarkaanfii eeggannoo tamsa'ina dhukkuba beelladootaa yookiin midhaanii yookiin ilbiisa bosonaa yookiin jarmii yookiin faalama naannoo ittisuuf, daangessuuf yookiin dhaabuuf tumame itti yaadamee kan cabe yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.
4. Gochi keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsame kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalle ni ta'a.

Keewwata 523. Rakkoon Yookiin Beelli Akka Qaqqabu Taasisuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee karaa kallattiin yookiin alkallattiin lubbuu yookiin fayyaa namaaf yookiin beelladaaf barbaachisaa ta'an midhaan, nyaata, soorata, qoricha yookiin wantoota barbaachisoo biroo keessumattuu dhoksuun, seeraan ala kuusuun, balleessuun yookiin deddeebisuun yookiin raabsuu dhorkuun biyya keessatti gidiraa cimaan, dhabiinsi, beelli, dhukkubni daddarboon, dhukkubni beelladootaa yookiin rakkoon akka ga'u kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudha shan hincaalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Namni kamiyyuu rakkoon akkanaa yommuu gahetti rakkinicha ittisuuf, daangessuuf yookiin dhabamsiisuuf kan barbaachisu nyaata, qoricha yookiin mi'oota biroo kamiiniyyuu dhiheessuuf dhiheessitummaan, qunnamsiistummaan, dhiheessaa muummee waliin garee waliigale ta'uun, deddeebistummaan, bakka bu'ummaan, yookiin haala biroo kamiiniyyuu dirqamoota yookiin itti gaafatamummaa irra jiru sababni humnaa ol ta'e osoo isa hin mudatiin kan hin raawwanne yookiin hojii irra kan hin oolchine yoo ta'e;

   bu'uura keewwata xiqqaa (1) tiin ni adabama.

3. Yakkichi kan raawwatame jaalala maallaqaan yoo ta'e, adabichi hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle ni ta'a.

Keewwata 524. Hirmaannaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameefii

Yakkoota kutaa kanaan ibsaman keessaa tokkotti jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef yoo hirmaate bu'uura seera kana keewwata 90tiin tumameen ni adabama.

Kutaa Lama

Yakkoota Wantoota Fayyaa Namaafi Beelladootaa Irratti Miidhaa Geessisuu Danda'an Oomishuufi Tamsaasuun Raawwataman

Keewwata 525. Qorichoota Yookiin Baalawwan Summaa'aa yookiin Naarkotikiifi Saayikotiroppikii Oomishuu, Hojjechuu, Naannessuu Yookiin Fayyadamuu

1. Namni kamiyyuu hayyama addaa osoo hin qabaatiin:
   (a) wantoota summaa'aa yookiin qorichoota yookiin baalawwan naarkotikii yookiin saayikotiroppikii kan biqilche, oomishe, hojjete, jijjiire yookiin warshaan kan tolche;
   (b) wantoota armaan olitti qubee (a) jalatti tarreeffaman keessaa tokko qabatee kan argame, biyyatti kan galche, biyya alaatti kan erge, kan

www.abyssinialaw.com

geejjibe, kan kuuse, kan dallaale, kan bite, gurgurtaaf kan dhiheesse, kan tamsaase, kan nanaannesse, dabarsee kan kenne yookiin kan biroof kan argamsiise;

(c) wantoota armaan olitti qubee (a) jalatti tarreeffaman keessaa tokko, oomishuuf, qopheessuuf yookiin tolchuuf meeshaalee tajaajilan kan hojjete, qabatee kan argame, biyya keessatti kan galche, biyya alaatti kan erge; yookiin

(d) wantoota qubee (a) jalatti ibsaman hojjechuuf, qopheessuf, oomishuuf, gurguruuf yookiin raabsuuf, mana, mooraa, yookiin iddoo isaa abbaa qabeenyaa yookiin abbaa qabiyyee itti ta'e kan kenne, kan kireesse yookiin kan hayyame yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen ni adabama.

2. Adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba lama hin caalle kan ta'u:

(a) yakkichi kan raawwatame daldala kanaaf yookiin sadarkaa addunyaalessaattis ta'e biyyaatti yakka raawwachuuf garee yookiin waldaa gurmaa'etti nama miseensa ta'een yookiin gocha seeraan alaa kan ogummaa isaa godhatee qabateen yoo ta'e;

(b) balleessichi wanta seeraan alaa dhorkame yookiin iddoo wanta akaakuu akkanaaf fayyadu osoo beekuu kan kenne yookiin kan hayyame jaalala maallaqaatiin, kaayyoo salphummaan yookiin hin malleen yoo ta'e; yookiin fayyadamtichi daa'ima, dargaggoo gaa`ela hin geenye yookiin sammuun isaa sirrii hin taane, yookiin araada baala sammuu adoochuun kan qabame yoo ta'e;

(c) yakkamtichi yakkicha kan raawwate gocha yakkichaaf daa'imman yookiin nama sammuun isaa sirrii hin taanetti fayyadamuun yoo ta'e;

(d) yakkichi kan raawwatame mooraa mana sirreessaa, mana barumsaa, yookiin dhaabbata tajaajila hawaasummaa biroo keessatti, iddoo daa'imman yookiin barattoonni dargaggoon barumsaaf, ispoortiif yookiin sossochiiwwan hawaasummaa biroof itti fayyadamanitti yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(e) yakkamtichi sababa yakka walfakkaatu kanaan dura raawwateen murtiin balleessummaa irratti kennamee kan ture yoo ta'edha.

3. Namni kamiyyuu wantoota summaa'aa yookiin qorichoota yookiin baalawwan naarkotikii yookiin sayikotiroppikii kan argaman gochoota yakkaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti tarreeffaman keessaa sababa isa tokkoon ta'uun isaa yookiin gochoota yakkaa tarreeffaman keessaa tokko raawwachuuf kan karoorfaman ta'uu isaa osoo beekuu, wantoota kana qabatee kan argame, kan geejjibe, kan kuuse yookiin dabarsee kan kenne yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen ni adabama.

4. Namni kamiyyuu:

(a) ofiisaa yookiin namni biroo dhuunfaatti akka itti fayyadamu yaadee wantoota armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman keessaa tokko kan biqilche, kan bite, kan fuudhe, kan hojjete, qabatee kan argame, kan gurgure, kan kenne; yookiin

(b) wantoota kana keessaa tokkotti hayyama hakiimaa malee yookiin karaa seeraan alaa biroo kamiiniyyuu kan fayyadame yookiin namni biroo akka itti fayyadamu kan taasise yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.

5. Wantoota naarkotikii yookiin saayikotiroppikii kaayyoo seeraa alaatiif oolchuuf yaaduun ogeessa yaalaa dogoggorsuun waraqaa qorichi ittiin ajajamu akka kennamuuf kan taasise yookiin karaa seeraatiinis ta'e, seeraan alaatiin namni waraqaa qorichi ittiin ajajamu argate sana garee sadaffaa hin hayyamamneef dabarse; yookiin waraqaa wantoonni naarkotikii yookiin saayikotiroppikii ittiin ajajaman itti yaadee ogeessi yaalaa karaa seeraa alaatiin barreesse;

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

www.abyssinialaw.com

6. Seera kanaan tumaaleen qabeenya mootummaaf galii ta'uu qabu /keewwata 140/ fi maallaqa yookiin qabeenya gocha yakkaatiin argame seera qabeessa fakkeessee dhiheessuufi yakkicharratti gargaaruu /keewwata 684/ jalatti ibsaman akkuma eegamanitti ta'u.

Keewwata 526. Qorichoota Humna Kennan fayyaddamu (Doping)

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) gahumsa qaamaa, uumamaafi leenjiin argame yeroof caalmaatti akka dabalu taasisuun yeroo dorgommii ispoortii olaantumaa qaamaafi xinsammuu argachuuf kan gargaaran wantoota namtolchee seeraan dhorkamaniifi miidhaa geessisan kan oomishe, biyya keessatti kan galche, kan gurgure, ogummaa isaatiin kan ajaje, kan raabse; yookiin
   (b) wantoota qubee (a) jalatti ibsamanitti karaa seeraa alaatiin kan fayyadame yookiin namni biroo akka itti fayyadamu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin yookiin gochichi miidhaa ulfaataa yommuu geessise, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu kaayyoo keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameef oolchuuf yaaduun, qoricha seeraan hayyamame haala hin malleen yookiin kaayyoo hojjetameef ala kan ajaje, kan kenne, yookiin kan fayyadame yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

3. Gochoota armaan olitti keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti ibsaman keessaa tokko kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalle, yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 527. Mi'oota Yookiin Nyaatawwan Miidhaa Geessisan Yookiin Badan Hojjechuufi Gurguruu, Akkasumas Qulqullina Isaanii Gadi Buusuu

1. Namni Kamiyyuu:
   (a) nyaatawwan, qallaba, wantoota biroo nyaataaf tajaajilan itti fayyadama namaaf akka hin taane gochuun yookiin wantoota nyaata qopheessuuf tajaajilan qabiyyee miidhuu akka qabaatan taasisuun kan hojjete yoo ta'e; yookiin fayyaa ummataa haala miidhuun qulqullina nyaatawwanii yookiin mi'ootaa kan gadibuuse yoo ta'e; yookiin
   (b) bu'aalee oomishaa miidhaa qaban akaakuu akkanaa kan kuuse, gurgurtaaf kan dhiheesse, biyya alaatti kan erge, biyya keessa kan galche, kan fuudhe, yookiin kan raabse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneen yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti, hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Adabbichi hidhaa cimaa waggaa torbaa gadi hin taane kan ta'u, balleessichi:
   (a) faayidaa ummataaf jecha jaarmiyaa mootummaan qabame yookiin mootummaa irraa konseshiniin kenname dirqama addaa to'achuu yookiin qorachuu kan qabu ta'ee yommuu argamu; yookiin
   (b) dhukkuba kan fayyisan, fayyummaa kan cimsan, amala nyaataa kan qaban yookiin toonikii kan ta'an summaa'ina kan hin qabneefi ajaja ogeessa yaalaa malee kennamuu kan danda'an qorichoota addaddaa haala badaan oomishamuu isaaniin yookiin qulqullinni isaanii gadi bu'uu isaatiin miidhaa beekamaa kan fidan ta'uun isaanii yommuu beekamu yookiin beekuun yommuu danda'amu, qorichoota kanneen itti yaadee kan oomishe, qulqullina isaanii kan gadi buuse, kan gurgure, yookiin kan raabse yoo ta'edha.
3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalle, yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 528. Hokaafi Nayaata Beelladaa Biroo Midhaa Akka Geessisu Taasisuun Hojjechuu; Qulqullina Gadi Buusuufi Gurguruu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) qulqullina hokaa yookiin nyaata uumamaa beelladaa kan gadi buuse yookiin fayyaa yookiin lubbuu beelladootaa, irratti miidhaa qaqqabsiisuu akka danda'u taasisee kan oomishe yoo ta'e; yookiin
   (b) hokaa yookiin nyaata akaakuu biroo miidhaadhuma kana kan qaqqabsiisu biyya alaarraa kan fichisiise, biyya alaatti kan erge, kan kuuse, kan gurgure, gurgurtaaf kan dhiheesse yookiin kan raabse yoo ta'e;

   hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalle yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

Keewwata 529. Haalawwan Adabbii Cimsan

Balleessichi yakkoota armaan olitti keewwatoota 527 fi 528 jalatti ibsaman ogummaa isaa godhatee kan qabate yoo ta'e /keewwata 92/ yookiin yakkicha kan raawwate mi'oota baay'ina olaanaa qaban irratti yoo ta'eefi miidhaan gahes ulfaataa yommuu ta'u, adabbichi tumaalee kana jalatti kan ibsame adabbii olaanaa bilisummaa dhabsiisuufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba lama hin caalle ni ta'a.

Keewwata 530. Hirmaannaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameefii

Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef kamiyyuu yakkoota keewwata 525 hanga 529 keessatti ibsaman keessaa tokkotti hirmaataa yoo ta'e;

bu'uura seera kana keewwata 90 tiin ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 531. Dhugaatiiwwan Alkooliin Yookiin Ispiirtoon Fayyaa Nama Biroo Balaaf Saaxiluu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee akaakuun yookiin baayyinni dhugaatiiwwanii kan miidhu ta'uu isaa kan mirkanaa'e yookiin dhugaatiiwwan alkoolii yookiin Ispiirtoo qaban miidhaa geessisuu danda'an dargaggoo gaa`ela hin geenyeef yookiin nama humnaa ol dhuguun isaa beekameef dhugaatii alkoolii yookiin ispiirtoo dhiheessuun yookiin kennuun yookiin akka dhihaatu yookiin akka kennamu taasisuun fayyaa nama biroo balaaf kan saaxile yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi irra deddeebiin kan raawwatame yoo ta'e; hojii ogummaa isaa dhorkuun akkuma eegametti ta'ee hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneen ni adabsiisa.
3. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen ni adabsiisa.

Keewwata 532. Gochoota Sammuu Tuqaniin Nama Balaaf Saaxiluu

Namni kamiyyuu itti yaadee fajajeessuun, of wallaalchisuun yookiin adoochuun yookiin mala biroo kamiiniyyuu dandeettii sammuu nama biroo yeroof balleessuun balaaf kan isa saaxile yoo ta'e;

adabbii armaan olitti keewwata 531 jalatti ibsameen ni adabama.

Keewwata 533. Tolchaan, Falfalaan Yookiin Wantoota Kana Fakkaataniin Nama Irratti Balaa Geessisuu

Namni kamiyyuu amalli isaanii balaa yookiin miidhaa hordofsiisuu danda'uu osoo beekuu fayyaa miidhuu kan danda'an daakuuwwan bittinnaa'an, wantoota dhukkuba qalbii dadhabsiisu fidan, dhugaatiiwwan, yookiin wantoota kana fakkaatan biroo nama biroof kan qopheesse, kan kenne, kan gurgure, kan raabse yookiin kan obaase yoo ta'e;

tumaa armaan olitti keewwata 531 jalatti ibsameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 534. Haalawwan Ulfaataa

1. Balleessichi yakkoota armaan olitti keewwattoota 532 fi 533 jalatti ibsaman keessaa tokko ogummaa isaa godhatee kan qabate yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame miidhamaan osoo hin hayyamiin yoo ta'e, barbachisaa ta'ee yoo argame dandeettii yaaduu dhabsiisuu, keessattuu tumaaleen /keewwata 583/ dabalataan raawwatamaa ni ta'a.

Boqonnaa Lama

Tumaalee Yaalaafi Eegumsa Fayyaa Ilaallatan Cabsuu

Keewwata 535. Karaa Seeraan Ala Ta'een Ogummaa Yaalaafi Eegumsa Fayyaan Hojjechuu

1. Namni kamiyyuu dandeettii ogummaa abbaa taayitaa rogummaa qabuun kan murtaa'eefi to'annaan irratti taasifamu osoo hin qabaatiin yookiin bu'uura dambiilee rogummaa qabaniin ifatti akka hojjetu hayyamni osoo hin kennaminiif yookiin kan hayyamameefiin ala haala kamiiniyyuu dhukkubsattoota yaaluu ogummaa isaa taasifatee kan qabate, yookiin maallaqa fudhachuun kan qorate, kan yaale, gorsa kan kenne, qoricha kan gurgure yookiin hojiilee yaalaa akaakuu kamiiniyyuu kan raawwate yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Haala armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen hojii beelladoota yaaluu namni hojjetu hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
3. Namni kamiyyuu qorichi yookiin meeshaan tajaajila yaalaa inni oomishe, gurgurtaaf dhiheesse, gurgure, raabse yookiin tajaajilarra oolche:
   (a) nageenyummaan isaa, fayyisummaan isaafi qulqullummaan isaa mirkanaa'ee qaama rogummaa qabuun kan hin hayyamamne;

www.abyssinialaw.com

(b) kan fakkeeffame yookiin kan walitti makame yookiin saamsa isaarratti barreeffamni ibsa sobaa kan itti taasifame, kan itti maxxanfame yookiin kan keessa galfame;
(c) yeroon tajaajila isaa kan itti darbe; yookiin
(d) kan dhorkame, kan manca'e, kan waliin dhahame, kan faalame yookiin sababa biroo kamiiniyyuu fayyadamaa irratti miidhaa kan geessisu ta'uun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdamaa hanga kuma shantamaa gahuu danda'uun ni adabama.

4. Ariifachiisaa yookiin barbaachisaa kan ta'e yookiin garalaafinaan yookiin naamusa ogummaa isaa kabajuun gorsa, gargaarsa yookiin tajaajila yookiin haalawwan kana fakkaataniin qorichoota uumamaa yookiin baratamaan fayyisuun isaanii kan mirkanaa'eefi balaa kan hin hordofsiifne darbee darbee bilisaan kennuun gargaarsi taasifamu hin adabsiisu.
5. Namoota naannoo jiraatanitti muuxannoo gahaa qabu jedhamuun beekaman bu'uura barmaatilee naannichaatiin hojiilee yaalaa raawwatan irratti tumaan kun raawwatamummaa hin qabu. Kunis kan ta'u, namoonni kun hojii isaanii kan raawwatan naannoo jiraatanitti qofa yoo ta'eefi gochi isaaniis lubbuu, qaama yookiin fayyaa miseensota hawaasa naannoo sanaa balaa irra kan hin buusne yookiin kan hin miine yoo ta'edha.

Keewwata 536. Seeraa Ala Wantoota Summaa'aafi Balaafamoo Ta'an Dhiyeessuu

Hakiimni, carreessaan /pharamacist/, hakiimni ilkaanii, hakiimni beelladootaa, narsiin kamiiyyuu yookiin wantoota naarkotikii yookiin saayikotiroppikii summaa'aa ta'an yookiin wantoota biroo fayyaa irratti miidhaa cimaa geessisuu danda'aniin yaala kennuuf yookiin isaanuma kana kaa'uuf yookiin gurguruuf namni hayyamameef biroo kamiyyuu, haalawwan hojmaanni yaalaa idileen hayyamuun alaafi hayyama addaa osoo hin qabaatiin wantootuma kanaan kan hojjete, ummataaf kan kenne yookiin kan gurgure yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa waggaa sadii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin, yookiin badichi ulfaataa yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Balleessichi yakkicha kan raawwate jaalala maallaqaatiin yoo ta'e; adabbiin maallaqichaa hanga qarshii kuma dhibba tokkoo gahuu ni danda'a.

Keewwata 537. Gargaarsa Yaalaa Sababa Malee Dhorkuu

1. Hakiimni, carreessaan /pharamacist/, hakiimni ilkaanii, hakiimni beelladaa, deessistuun, narsiin yookiin namni biroon tajaajila yaalaa kennuun hojii isaa ta'uu isaa seeraan beekameef kamiyyuu karaa hojii isaatiin walfaallessuufi sababa gahaa hin taaneen maalnadhibdeen, ofjaallachuun, maallaqa garmalee barbaaduun, jibbaan, tuffiin yookiin sababa kana fakkaatu kamiiniyyuu tajaajila barbaachisaa ta'eefi hojii ogummaa isaatiin raawwachuu qabu osoo hin raawwatiin kan hafe yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin, yookiin yakkichi kan irra deddeebi'ame yoo ta'e hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

2. Namni tokko lubbuu, qaama yookiin fayyaa isaarra miidhaa cimaan kan gahu ta'ee osoo jiruu gargaarsa kan hin goone namni kamiyyuu kan ittiin adabamu tumaan adabbii olaanaa /keewwata 575 (2)/ akka eegametti ta'a.

Kitaaba Shanaffaa

Yakkoota Namoota Biroofi Firoota Irratti Raawwataman

Mata Duree Tokko

Yakkoota Lubbuu, Qaamaafi Fayyaa Namaarratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Lubbuu Namaa Irratti Raawwataman

www.abyssinialaw.com

Kutaa Tokko

Haala Raawwiifi Akaakuu Ajjeechaa

Keewwata 538. Qajeeltoo

1. Namni kamiyyuu itti yaadee yookiin dagannoon meeshaa yookiin tooftaa akaakuu kamiiniyyuu nama biroo kan ajjeese yoo ta'e ajjeesaa lubbuuti.
   Adabbiin nama itti yaadee yookiin dagannoon nama ajjeesuun balleessaa ta'erratti murtaa'u, akka salphinaafi cimina ajjeechaa sanaatti bu'uura tumaalee armaan gaditti ibsamaniin ni murtaa'a.
2. Itti yaadee yookiin dagannoon kan ajjeese hundi kan adabamu bu'uura adeemsota murtii seera qabeessa ta'aniifi murtiiwwan isaanii qofaan ni ta'a.

Keewwata 539. Ajjeechaa Namaa Cimaa Ta'e

1. Namni kamiyyuu:
   (a) nama ajjeesuuf yaanni yookiin sababni inni duraan qabu, meeshaan yookiin tooftaan itti fayyadame, haalli ajjeechaa yookiin ajjeechaan itti raawwatame sababni waliigalaa adabbii cimsu /keewwata 84/ yookiin sababni biroo /keewwata 86/ yommuu ilaalamu ajjeesaan keessumattuu garajabeessa, suukanneessaa, yookiin balaafamaa ta'uu isaa haala ibsuun; yookiin
   (b) miseensa garee wanbadee nama ajjeesuuf yookiin yakka wanbadummaa raawwachuuf gurmaa'ee ta'uun; yookiin
   (c) yakka biroo raawwachuuf akka isaaf mijaawuuf yookiin yakki raawwatame akka hin beekamne taasisuuf jecha;

   itti yaadee nama kan ajjeese yoo ta'e;

   hidhaa cimaa umurii guutuun yookiin du'aan ni adabama.

2. Yakkamtichi adabbiin hidhaa cimaa umurii guutuu itti murtaa'ee, adabbicha raawwachaa osoo jiruu, haala armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen nama kan ajjeese yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

du'aan ni adabama

Keewwata 540. Ajjeechaa Namaa Dasiiba Ta'e

Namni kamiyyuu haalli ajjeechaa akkaataa keewwata 539 jalatti ibsameen cimaa yookiin akkaataa keewwata 541 jalatti ibsameen salphaa haala hin taaneen itti yaadee nama biroo kan ajjeese yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuun ni adabama.

Keewwata 541. Ajjeechaa Namaa Salphaa Ta'e

Namni kamiyyuu:

(a) daangaa haala dirqisiisaa darbuun /keewwata 75/ yookiin daangaa ofirraa ittisuu seera qabeessa ta'e darbuun /keewwata 78/; yookiin
(b) sababa olaanaa garmalee nama aarsuun yookiin sababa tasaa sammuu jeequ inni hin eegneen yookiin miira olaanaan yookiin miira ho'aa onnee tuquun qabamuurraa kan ka'een ta'ee; haalawwan tilmaama sammuutiin kana raawwachuuf nama geessisaniifi gartokkeen dhiifama kennisiisaniin;

itti yaadee nama biroo kan ajjeese yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 542. Namni Biroo Akka Of Ajjeesu Kakaasuufi Gargaaruu

1. Namni kamiyyuu namni biroo akka of ajjeesu kan kakaase yookiin kan gargaare yoo ta'e yaaliin of ajjeesuu yommuu taasifametti hidhaa salphaan; gochi of ajjeesuu yommuu raawwatametti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Akka of ajjeesu namni kakaafame yookiin gargaarsi taasifameef ijoollee gaa`elaaf hin geenye yookiin sababa dhukkuba sammuun yookiin dullumaan dandeettii dhabee kan ture yoo ta'e; adabbiin kakaasaa yookiin gargaaraa irratti murtaa'u namni kakaafame yookiin gargaarame of ajjeesuuf kan yaale yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen; kan of ajjeese yoo ta'e,

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni ta’a.

Keewwata 543. Dagannoon Nama Ajjeesuu

1. Namni kamiyyuu keewwata kana keewwata xiqqaa (2) fi (3) jalatti haalawwan tumamaniin ala dagannoon nama kan ajjeese yoo ta’e;

   hidhaa salphaa ji’a jahaa hanga waggaa sadii gahuu danda’uun yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma lamaa hanga kuma afurii gahuu danda’uun ni adabama.

2. Lubbuu, fayyaa yookiin nageenya nama biroo eeguuf dirqama ogummaa yookiin kan biroo kan qabu kan akka ogeessa yaalaa yookiin konkolaachisaa kan ta’e dagannoon nama kan ajjeese yoo ta’e;

   adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii gahuu danda’uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma sadii hanga kuma jahaa gahuu danda’u ni ta’a.

3. Balleessichi namoota lama yookiin isaa ol kan ajjeese yookiin yakkicha kan raawwate dambii yookiin qajeelfama ifa ta’e darbuun yoo ta’e, yookiin wahiyyoota yookiin dhugaatiwwan nama macheessan yookiin fajajeessan fudhachuun haala itti gaafatamummaa irraa bilisa isa taasisu keessa erga of galchee booda yoo ta’ellee;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda’uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhanii hanga kuma kudha shanii gahu ni ta’a.

Keewwata 544. Daa’ima Ajjeesuu

1. Haati tokko da’uuf ciniinsuun yommuu qabamtetti yookiin miirri ciniinsuu ishii osoo hin darbiin itti yaaddee daa’ima ishii kan ajjeeste yoo ta’e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan ni adabamti.

   Yakkichi yommuu yaalamu, daa’imicharra miidhaan akaakuun kamiyyuu kan hin geenye yoo ta’e, manni murtichaa bu’uura keewwata 180 tiin adabbicha ni salphisa.

www.abyssinialaw.com

2. Haati tokko haalawwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ala daa'ima ishii itti yaaddee yookiin dagannoon kan ajjeeste yoo ta'e; tumaaleen seeraa idilee ajjeechaa ilaallatan raawwatamoo ni ta'u.
3. Namni biroo yakka keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen raawwataa yakkaa muummee ta'uun, kakastummaan, yookiin miiltummaan hirmaataa ta'e; ilaalchi addaa seerichaa osoo hin taasifamiiniif akka haala dubbichaafi akka hamma badii isaatti bu'uura tumaalee seeraa idilee ajjeechaa namaa ilaallataniin ni adabama.

Kutaa Lama

Yakka Ulfarratti Raawwatamu, Ulfa Baasuu

Keewwata 545. Qajeeltoo

1. Ulfa sadarkaa kamiyyuu irratti argamu haalawwan keewwata 551 jalatti ibsamaniin ala itti yaadanii baasuun bu'uura tumaalee armaan gaditti ibsamaniin ni adabsiisa.
2. Manni murtii akaakuufi hanga adabbichaa kan murteessu gochi ulfa baasuu itti yaadamee kan raawwatame haadhaan yookiin garee sadaffaa biroon ta'uusaa, gochichi kan raawwatame garee sadaffaan yoo ta'e haati kan hayyamte yookiin kan hin hayyamne ta'uusaa tilmaama keessa galchuun ni ta'a.

Keewwata 546. Gocha Ulfa Baasuu Dubartiin Tokko Ofirratti Raawwattu

1. Dubartiin itti yaaddee ulfa ofirraa baastu hidhaa salphaan ni adabamti.
2. Namni biroo meeshaa ulfi ittiin bahu kennuun yookiin deeggarsa biroo kamiiniyyuu kennuun dubartiin tokko ulfa yommuu ofirraa baastu raawwataa yakkaa muummee ta'uun yookiin miiltummaan hirmaataa ta'e hidhaa salphaan ni adabama.

Keewwata 547. Gocha Ulfa Baasuu Nama Biroon Raawwatamu

1. Seeraan kan hayyamameen ala namni itti yaadee dubartii ulfoofte irratti gocha ulfa baasuu raawwate yookiin gochi ulfa baasuu yommuu raawwatamutti gargaare hidhaa salphaan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Gochi ulfa baasuu kan raawwatame dubartiin ulfoofte sun kan hin hayyamne yookiin hayyama ishii kennuuf yommuu hin dandeenyetti yoo ta'e; yookiin doorsisaan, dirqisiisuun, gowwomsuun yookiin bu'aa gochichi hordofsiisu beekuu yeroo hin dandeenyetti hayyama ishii argachuun yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'u ni ta'a.

3. Gocha ulfa baasuu seeraan hayyamameen ala raawwatamuuf dubartiin ulfaa hayyama ishii kennite hidhaa salphaan ni adabamti.

Keewwata 548. Haalawwan Ulfaatoo

Gochi ulfa baasuu kan raawwatame seeraan kan tumameen ala yoo ta'e, adabbichi akka armaan gadiitti ni cima.

1. Balleessichi yakkicha kan raawwate jaalala maallaqaatiin yookiin faayidaa argachuuf yookiin hojii isaa yeroo hundaa godhachuun yoo ta'e /keewwata 92/; adabbii keewwata 547 jalatti ibsame irratti dabalataan adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Yakkichi kan raawwatame nama ogummaa yaalaa gahaa hin qabneen yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadii hin taaneefi adabbii maallaqaa ni ta'a.
3. Ogeesssi yakkicha raawwate keessumattuu, hakiima, carreessaa (pharmacist), deessistuu yookiin narsii yoo ta'eefi gochichas kan raawwate hojii ogummaa isaatti garmalee fayyadamuun yoo ta'e; hidhaa salphaafi adabbii maallaqaa irratti dabalataan manni murtichaa yeroo murtaa'e tokkoof yookiin yakkicha irra kan daddeebi'e yoo ta'e; balleessicha hanga dhumaatti hojii ogummaa isaa irraa ni dhorka /keewwata 123/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 449. Gocha Ulfa Baasuu Dubartii Ulfa Hin Qabne Irratti Raawwachuuf Yaaluu

Dubartii ulfa hin qabne tokkoon ulfa jechuun gochi yaalii ulfa baasuu kan raawwatame yoo ta'e tumaan waliigalaa yakka raawwatamuu hin dandeenye ilaalchisee tumame raawwatamaa ni ta'a /keewwata 29/.

Keewwata 550. Haalawwan Adabbii Salphisan

Ulfi kan addaan cite haalawwan armaan gaditti keewwata 551 jalatti tarreeffamaniin ala sababa rakkoo jireenyaa hundee gadi fageeffateefi kan turuun yoo ta'e, manni murtichaa bu'uura keewwata 180 tiin haala itti fakkaatuun adabbicha ni salphisa.

Keewwata 551. Haalawwan Ulfa Addaan Kutuuf Seeraan Hayyamaman

1. Daangaa yeroo ogummaa yaalaatiin hayyamame keessatti dhaabbata yaalaatti ulfi yoo addaan cite kan nama hin adabsiifne:
   (a) sababa dirqisiisamanii gudeedamuun yookiin saalqunnamtii firoota gidduutti taasifameen ulfi kan argame yoo ta'e;
   (b) itti fufuun ulfaa lubbuu haadhaa irrattis ta'e ulfichaarratti yookiin fayyaa haadhaa irratti balaa kan hordofsiisu yoo ta'e yookiin dhalachuun daa'immichaa fayyaa yookiin lubbuu haadhaarratti balaa kan fidu yoo ta'e;
   (c) ulfichi hanqina qaamaa cimaa fayyuu hin dandeenye (deformed) kan qabu yoo ta'e; yookiin
   (d) dubartiin ulfoofte tokko hir'ina qaamaa yookiin sammuu kan qabdu ta'uu ishiitiin yookiin gaa`elaaf kan hin geenye ta'uu ishiitiin daa'ima dhalatu guddisuuf gahumsa sammuu yookiin qaamaa kan hin qabne yoo taatedha.
2. Balaan ulfaataafi yeroo hin kennine kan hojii yaalaa ariitiin taasifamuun malee maqfamuu hin dandeenyee yommuu mudate, bu'uura seera kana keewwata 75 tiin gochi ulfa baasuu raawwatamu hin adabsiisu.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 552. Sirna Ulfi Addaan Itti Cituufi Adabbii Sirnicha Cabsuun Hordofsiisu

1. Bu'uura haalawwan armaan olitti keewwata 551 jalatti tarreeffamaniin sirna ulfi addaan itti citu, haala mirga dubartoota ulfaa hin tuqneen Ministeerri Eegumsa Fayyaa yeroo gabaabaa keessatti qajeelfama ni baasa.
2. Sababoota keewwata 551(1) (a) jalatti ibsamaniin ulfa addaan kutuuf dubartittiin dirqamaan gudeedamuu yookiin firarraa ulfaa'uu ishii ibsuun qofti gahaa ta'a.
3. Qajeelfama keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame namni cabse kamiyyuu, adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Qaamaafi Fayyaa Namaarratti Raawwataman

Keewwata 553. Qajeeltoo

1. Namni kamiyyuu itti yaadee yookiin dagannoon wantoota yookiin tooftaa kamiiniyyuu qaama nama biroo kan hir'ise yookiin fayyummaa isaa kan miidhe yoo ta'e, bu'uura tumaalee boqonnaa kana keessatti ibsamaniin ni adabama.

   Tumaaleen kunneen harka darbuu, rukutuu, madeessuu, qaama hir'isuu, miidhaawwan yookiin badiiwwan qaamarratti raawwataman kamiiniyyuu, akkasumas miidhaawwan fayyummaa qaama yookiin sammuu namaarratti raawwataman hunda ni dabalata.
2. Manni murtichaa beenyaa miidhamaaf kaffalamu kan murteessu ulfaatina miidhaa gaheefi haala garee walfalmitootaa tilmaama keessa galchuun bu'uura tumaalee waliigalaa kallattii beenyaa ilaalchisee seera kanaan tumameen ni ta'a /keewwata 101/.

Keewwata 554. Haalawwan Shakkisiisoon Yommuu Mudatan Qorannoo Beekaa Addaatiin Yookiin Ogeessaan Taasifamu

Manni murtichaa amala miidhaa qaamaa tokko, bu'aa inni hordofsiisu yookiin cimina isaarratti wanti shakkisiisu yoo mudate dhimmicha murteessuuf gochoota

www.abyssinialaw.com

dhimma yakkaarratti raawwataman qorannoo yaalaatiin ogeessi beeku akka isa gargaaru gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 555. Miidhaa Qaamaa Cimaa Itti Yaadamee Raawwatamu

Namni kamiyyuu itti yaadee:

(a) lubbuu miidhamaaf haala yaaddessuun yookiin qaama yookiin sammuu isaarra mudaa yeroo maraa fiduun nama biroo irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e; yookiin

(b) qaama yookiin kutaa qaamaa yookiin qaamolee miiraa barbaachisoo ta'an nama biroo keessaa tokko kan hir'ise, akka hin tajaajille kan taasise yookiin haala suukkanneessaafi ifatti mul'atuun bifa isaa kan balleesse yoo ta'e; yookiin

(c) karaa biroo kamiiniyyuu miidhaa yookiin dhukkuba cimaa nama biroo irraan kan gahe yoo ta'e;

akka haala dubbichaafi akka ulfaatiina miidhichaatti hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen yookiin hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen ni adabama.

Keewwata 556. Miidhaa Qaamaa Salphaa Itti Yaadamee Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu haalawwan armaan olitti keewwata 555 jalatti ibsamaniin ala, itti yaadee qaama yookiin fayyaa namaa irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Gochichi himannaa yakkaa dhiheessuun kan adabsiisuufi adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa sadii gahuu danda'u kan ta'u:

   (a) balleessichi miidhaa kan geessise summiidhaan yookiin meeshaa ajjeesuun yookiin meeshaa biroo miidhaa qaamaa geessisuu danda'u kamiiniyyuu fayyadamuun yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) balleessichi dirqama ogummaa yookiin kan biroo cabsuun miidhaa kan geessise yoo ta'e; yookiin

(c) miidhamtichi dadhabaa, dhukkubsataa yookiin ofirraa ittisuu kan hin dandeenye yoo ta'edha.

Keewwata 557. Haalawwan Adabbii Salphisan

1. Namni kamiyyuu qaama yookiin fayyaa nama biroo irratti itti yaadee miidhaa kan geessise:

   (a) daangaa haala dirqisiisaa darbuun /keewwata 75/ yookiin ofirraa ittisuu seera qabeessa ta'e hamma isaarraa dabarsuun/keewwata 78/ yoo ta'e; yookiin

   (b) sababa tuttuqaa garmalee nama aarsuun, sababa tasaa sammuu jeequun inni hin eegneen, yookiin miira olaanaa yookiin miiraa ho`aa onnee tuqurraa maddeen ta'ee, haalawwan isaa tilmaama sammuutiin gochicha raawwachuun kan nama geessisaniifi gartokkeen dhiifama kan kennisiisan yoo ta'an; yookiin

   (c) miidhaan gahe seeraan kan dhorkame yookiin miidhichi amala gaarii /hamilee/ kan tuqu yommuu ta'etti, bu'uura gaaffii yookiin hayyama miidhamaa, maalummaa gochichaafi bu'aa isaa tilmaamuu danda'uutiin yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa salphaa waggaa lama hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma afur hin caalle ni ta'a.

2. Haala keewwata kana keewwata xiqqaa (1)(c) jalatti ibsameen miidhamtichi haala umuriin yookiin sammuun yookiin kan biroo kamiiniyyuu waan gaaffichi yookiin hayyamichi hordofsiisu guutummaan yookiin gartokkeen hubachuu kan hin dandeenye yoo ta'e; adabbiin balleessicha irratti murtaa'u hidhaa salphaa waggaa afur hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 558. Miidhaa Yaada Balleessichaan Ol Qaqqabe

Namni kamiyyuu miidhaa qaamaa salphaa qaqqabsiisuuf yaadee dagannoon miidhaa qaamaa cimaa kan qaqqabsiise /geessise/ yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa sadii gahuun ni adabama.

Keewwata 559. Miidhaawwan Qaamaa Dagannoon Raawwataman

1. Namni kamiyyuu dagannoon qaama yookiin fayyaa nama biroo irratti miidhaa salphaa kan qaqqabsiise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Miidhaan qaqqabe akka isa keewwata 555 jalatti ibsamee yoo ta'e yookiin kan miidhaa qaqqabsiise dirqama ogummaa yookiin kan biroo qaama yookiin fayyaa nama biroo eeguu kan qabu kan akka nama ogeessa yaalaa yookiin konkolaachisaa yoo ta'e, adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkoo gadi hin taane ni ta'a.
3. Yakkichi kan adabsiisu miidhichi ulfaataa yoo ta'e himata yakkaa dhiheessuun, miidhichi salphaa yoo ta'e iyyannoo dhuunfaa dhiheessuun ta'a. Hammi miidhichaa kan murtaa'u keewwata 555 fi 556 jalatti kan tumame bu'uureffachuun ta'a.

Keewwata 560. Harka Darbuu /Assaults/

1. Namni kamiyyuu miidhaa qaamaa yookiin hir'ina fayyaa osoo hin geessisiin gocha harka darbuu yookiin dhiibbaa nama biroo irratti kan raawwate yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu adabbii maallaqaa qarshii dhibba sadii hin caalleen yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa salphaa ji'a sadi hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Dirmammuuwwan, mallattooleen kulkula dhiigaa yookiin dhukkubni yookiin gidiraan dafee darbu akka miidhaa qaamaatti yookiin hir'ina fayyaatti hin lakkaa'aman.

2. Badiiwwan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsameen ala ta'an bu'uura seera kanaan dambii darbuu ilaalchisee keewwata 840 jalatti tumameen ni adabsiisu.
3. Miidhamaan harka darbuu isarratti raawwatame battalumatti harka darbuun haaloo kan bahe yoo ta'e manni mirtichaa qooda adabbii biroo murteessuu akkuma barbaachisummaa isaatti garee tokko yookiin garee lamaanuu gorsuun yookiin akeekkachiisuun bira darbuu ni danda'a.

Boqonnaa Sadi

Yakkoota Gochoota Barmaatilee Miidhaa Geessisaniin Lubbuu, Qaamaafi Fayyaa Namaa Irratti Miidhaa Geessisuun Raawwataman

Keewwata 561. Karaa Gochoota Barmaatilee Miidhaa Geessisaniin Lubbuu Dubartoota Ulfaafi Daa'immaniirratti Miidhaa Geessisuu

1. Namni kamiyyuu:
    a) garaa dubartii ulfaa sukkuumuudhaan yookiin qaama dubartii dahaa jirtuu hurgufuudhaan; yookiin
    b) handhuura daa'ima reefu dhalatee faltii yookiin wanta faltii fakkaatu dibuudhaan, daa'imicha aduu akka hin arganne gochuun, yookiin dhadhaa liqimsiisuun, huuba qoonqoo daa'imichaa muruun, amaarsaa baasuun yookiin akka hin talaalamne taasisuun; yookiin
    c) kan kana fakkaatuufi gocha baratamaa miidhaan isaa ogummaa yaalaatiin beekame raawwachuun lubbuun dubartii ulfaa yookiin daa'imaa akka darbu kan taasise yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii hanga waggaa tokkoo gahuun ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Duuti dubartittii yookiin kan daa'imichaa kan qaqqabe dagannoon yoo ta'e, dhimmuma kanaaf tumaan seera kanaa rogummaa qabu raawwatamaa ni ta'a./keewwata 543/.

Keewwata 562. Karaa Gocha Barmaatilee Miidhaa Geessisaniin Qaama Dubartii Ulfaa Yookiin Daa'imaa Irratti Miidhaa Geessisuu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) garaa dubartii ulfaa sukkuumuun yookiin qaama dubartii dahumsa irra jirtuu hurgufuun; yookiin
   (b) handhuura daa'ima reefu dhalatee faltii yookiin wanta faltii fakkaatu dibuun, daa'imichi aduu akka hin arganne dhorkuun, huuba qoonqoo daa'imaa muruun, amaarsaa baasuun, akka hin talaalamne gochuun; yookiin
   (c) kan kana fakkaatuufi gocha baratamaa miidhaan isaa ogummaa yaalaatiin beekame raawwachuun;

   dubartii ulfaa yookiin daa'ima irratti miidhaa qaamaa yookiin sammuu kan geessise yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

2. Fayyaa qaamaa yookiin sammuu irra miidhaan gahe dagannoon yoo ta'e; dhimma kana ilaalchisee tumaan seera kanaa rogummaa qabu raawwatamaa ni ta'a. /keewwata 559/.

Keewwata 563. Yaada Addaa Mana Murtichaa

Yakkoota armaan olitti keewwattoota 561 fi 562 jalatti ibsaman ilaalchisee umurii, sadarkaa barumsaa, muuxannoo jireenyaa yookiin sadarkaa jireenya hawaasummaa raawwataa yakkichaa tilmaama keessa galchuun manni murtichaa qooda adabbii maallaqaa yookiin adabbii bilisummaa dhuunfaa dhabsiisuu murteessuurra akeekkachiisa cimaa kennuu qofaan bira darbuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 564. Nama Gaa`elaan Yookiin Saalqunnamtii Gaa`elaan Alaatiin Waliin Jiraatu Irratti Miidhaa Geessisuu

Namni kamiyyuu qaama yookiin fayyummaa sammuu nama gaa`elaan yookiin saalqunnamtii gaa`elaan alaatiin isa waliin jiraatu irratti haala midhaa cimaa yookiin salphaa geessisuun miidhaa kan raawwate yoo ta'e;

tumaan seera kanaa rogummaa qabu /keewwata 555 hanga 560/ irratti raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 565. Dubartii Kittaanuu

Namni kamiyyuu dubartii daangaa umurii kamiyyuu keessatti argamtu kan kittaane yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shanii gadi hin taaneen ni adabama.

Keewwata 566. Nafsaala Dubartii Hodhuu

1. Namni kamiyyuu nafsaala dubartii tokkoo kan hodhe yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa shanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Gocha keewwata xiqqaa tokko jalatti ibsameen miidhaan qaamaa yookiin fayyaa kan gahe yoo ta'e; tumaan seera yakkaatiin adabbii olaanaa murteessisu akkuma eegametti ta'ee, adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahu ni ta'a.

Keewwata 567. Miidhaa Qaamaa Karaa Gochoota Barmaatilee Miidhaa Qaban Birootiin Raawwatamu

Namni kamiyyuu haalawwan boqonnaa kanaan tarreeffamaniin ala sababa gocha barmaatilee alnamoomummaan isaa beekameefi miidhaa qabaachuun isaa ogummaa yaalaatiin mirkanaa'een miidhaan qaamaa yookiin sammuu yookiin duuti nama biroo irra akka gahu kan taasise yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

akkuma haala dubbichaatti adabbiilee keewwata 561 yookiin 562 jalatti tumaman keessaa tokko irratt raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 568. Karaa Gochoota Barmaatilee Miidhaa Qabaniin Dhukkuba Daddabarsuu

Gochoota barmaatilee miidhaa qaban keewwattoota armaan olii keessatti ibsaman keessaa sababa isa tokkoon miidhamaan dhukkuba daddarbaan kan qabame yoo ta'e, raawwatichi bu'uura seera kanaan dhukkuboota daddarboo baay`isuu ilaalchisee tumaameen dabalataan ni adabama.

Keewwata 569. Gochoota Barmaatilee Miidhaa Geessisan Keessatti Hirmaataa Ta'uu

Yakkoota boqonnaa kana keessatti ibsaman keessaa tokkotti hirmaataa kan ta'e, warri yookiin namni biroon kamiyyuu hidhaa salphaa ji'a sadi hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 570. Tumaaleen Gochoota Barmaatilee Miidhaa Geessisan Dhorkan Akka Hin Rawwatamne Kakaasuu

Tumaaleen seera kanaa gochoota barmaatilee miidhaa geessisan dhorkan akka hin raawwatamne karaa kallattiinis ta'e alkallattiin namni kakaase yookiin dadammakse, kaayyoo akkasii raawwachiisuuf ummata gurmeesse, sochii kaayyoo kanaaf gurmaa'een kan hirmaachiise, yookiin kaayyoo kanaaf deeggarsa kan kenne kamiyyuu; hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taanen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shanii gadi hin taaneen yookiin lamaaniinuu ni adabama.

Boqonnaa Afur

Yakkoota Lubbuu, Qaama, Yookiin Fayyaa Namaa Balaaf Saaxiluun Raawwataman

www.abyssinialaw.com

Keewwata 571. Lubbuu Namaa Balaaf Saaxiluu

Namni kamiyyuu itti yaadee nama biroo balaa du'aa dhiyeenyatti gahuuf kan saaxile yoo ta'e;

akkuma haala dubbichaatti hidhaa cimaa waggaa sadi hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama.

Keewwata 572. Dambii Tiraafikaa Cabsuun Balaaf Saaxiluu

1. Konkolaachisaan yookiin lafoon kamiyyuu dagannoon dambii tiraafikaa cabsuun lubbuu, qaama, fayyaa yookiin qabeenya nama biroo balaaf kan saaxile yoo ta'e; hidhaa salphaa ji'a tokkoo hanga waggaa sadii gahuun yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokkoo gadi hin taaneen yookiin lamaaniinuu ni adabama.
2. Gochichi lubbuu, qaama, fayyaa yookiin qabeenya namaa irratti miidhaa kan geessise yoo ta'e; tumaan seera kanaafi dambii tiraafikaa cabe dhimmichaaf rogummaa qabu dachaan raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 573. Qaama Namaa Balaaf Saaxiluu

1. Namni kamiyyuu maallaqa yookiin faayidaa biroo argachuuf jedhee:
    a) lubbuu isaatiin osoo jiruu qaama isaa yookiin kutaa qaama isaa nama biroof kan kenne yoo ta'e; yookiin
    b) nama yookiin jaarmiyaa biroo waliin waliigaltee taasiseen du'a isaa booda qaama isaa yookiin kutaa qaama isaa kennuuf kan waliigale yoo ta'e;

    hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Namni kamiyyuu maallaqa yookiin faayidaa biroo argachuuf jecha qaama yookiin kutaa qaamaa nama biroo hayyama miidhamtichaatiin kan fudhate yoo ta'e, gochichi kan raawwatame:
    a) miidhamtichi lubbuun osoo jiruu yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uun;
    b) du'a miidhamtichaan booda yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

3. Namni kamiyyuu dirqisiisuun, waliin dhahuun, gowwomsuun yookiin namni dhimmichi ilaallatu osoo hin hayyamiin qaama yookiin kutaa qaama nama biroo kan fudhate yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun ni adabama.

4. Namni kamiyyuu haalawwan keewwattoota xiqqaa armaan ol jiran jalatti ibsamaniin alatti karaa seera, dambii yookiin qajeelfamaan faallaa ta'een nama tokko dirqisiisuun yookiin namni jedhame sun osoo hin hayyamiin yookiin osoo hin beekiin qaama isaa irratti qorannoo saayinsii yookiin yaalaa, qorannoo yookiin yaalii kan taasise; yookiin odeeffannoo haala kanaan argame karaa akaakuu kamiiniyyuu nama biroof kan ibse yookiin kan kenne yoo ta'e;

   akkuma haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

5. Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef gochoota armaan olitti keewwata xiqqaa (2), (3) yookiin (4) jalatti tarreeffaman keessaa tokko kan raawwate yoo ta'e; bu'uura seera kana keewwata 34 fi 90(3) tiin ni adabama.

Keewwata 574. Nama Balaaf Saaxiluu Yookiin Balaa Keessatti Dhiisuu

1. Namni kamiyyuu nama biroo sababa fayyaa, umurii, haalaan yookiin sababa biroo kamiiniyyuu of eeguu hin dandeenye sababa kamiiniyyuu ta`u, eegdummaan yookiin itti gaafatamummaan jiraachisuuf fudhate, nama jedhame sana itti yaade:
   a) lubbuu yookiin fayyaa isaa irratti balaa dhiyeenyatti gahuu hin oolleef kan saaxile yoo ta'e; yookiin
   b) haala kana fakkaaturratti yommuu argamutti isa gatee kan deeme yoo ta'e;

   barbaachisaa yommuu ta'u adabbiin mirga warrummaa irraa mulquu akkuma eegametti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkichi kan raawwatame daa'imarratti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.

Keewwata 575. Nama Balaa Irratti Argamu Gargaaruu Dhabuu

1. Namni kamiyyuu ofirratti yookiin garee sadaffaa irratti haala balaa hin geessisneen nama biroo balaa ulfaataa lubbuu, qaama, yookiin fayyaa isaarra gahuu danda'u keessatti argamu karaa kallattiin yookiin alkallattiin gargaaruu osoo danda'uu, itti yaadee osoo hin gargaariin kan hafe yoo ta'e; hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Balleessichi:
    a) haala yookiin mala kamiiniyyuu yoo ta'e miidhamticha irratti miidhaa kan geessise himatamtichuma yoo ta'e; yookiin
    b) miidhamticha baraaruuf yookiin gargaaruuf dirqama ogummaa yookiin waliigaltee kan yaalaa, kan galaanaa yookiin seeraa biroo kan qabu yoo ta'e;

    hidhaa salphaa ji'a tokkoo hanga waggaa lamaa gahuu danda'uufi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 576. Ijoollee Ga'elaaf Hin Geenye Miidhuu

1. Namni Ijoollee gaa`elaaf hin geenye eegu yookiin itti gaafatamummaan guddisu kamiyyuu, sababa yookiin haala kamiiniyyuu ijoollee sana kan miidhe, kan dagate, humna isaaniitii ol kan hojjechiise yookiin kan rukute yoo ta'e;

    hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi fayyaa, nageenya, guddina barnoota yookiin qaama yookiin xiinsammuu ijoollee sanii irratti miidhaa olaanaa yommuu hordofsiisu, barbaachisaa yommuu ta'u adabbiin mirga warrummaa irraa mulquu akkuma eegametti ta'ee; hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen ni adabsiisa.
3. Tumaan kun tarkaanfii naamusaa guddisa gaarii warriifi namoonni biroon itti gaafatamummaa wal fakkaatu qaban, fudhataniifi kan seeraan wal hin faallessine hin ilaallatu /keewwata 68/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 577. Jeequmsa

1. Namni kamiyyuu miidhaa ittisuuf, ofiisaa yookiin kan biroo ittisuuf yookiin kanneen wallolan addaan dhorkuuf osoo hin taane, jeequmsa yookiin lola namoota sadii gadi hin taane gidduutti taasifameefi lubbuu, qaama, fayyaa yookiin qabeenya namaa irratti miidhaa hordofsiisu keessatti hirmaataa ta'ee kan argame yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu meeshaa waraanaa yookiin meeshaa akaakuu biroo nama madeessuu yookiin ajjeesuu danda'u qabachuun, yookiin fayyadamuun jeequmsa yookiin lola keessatti hirmaataa yoo ta'eefi miidhaan kan hin qaqqabne yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a tokkoo hanga waggaa tokkoo gahuun ni adabama.

3. Haala yeroo jeequmsaa ture irraa kan ka'een, keessumattuu haaloo namoota wallolan gidduu tureen, haala lola kaasuu yookiin machii yookiin meeshaalee waraanaa, dhagoota yookiin wantoota biroo madeessuu yookiin ajjeesuu danda'an kan qabatan yookiin wantoonni kunneen kan kennamaniif ta'uu isaatiin lolicha keessatti namni kan madaa'e yookiin kan ajjeefame yoo ta'e; adabbichi hanga adabbii idilee olaanaa gahuu ni danda'a.
4. Yeroo akkana ta'ettis namni miidhaa yookiin du'a qaqqabsiise adda bahuu yookiin beekamuu kan danda'e yoo ta'e, adabbiilee keewwattoota rogummaa qaban biroo jalatti ibsamaniin dabalataan ni adabama /keewwata 66/.

Keewwata 578. Lola Morkii

1. Namni kamiyyuu lola morkii lubbuu, qaama yookiin fayyaa wal morkitootaa balaa irra buusuu danda'uun, dursee aadaan yookiin barmaatileen murtaa'eefi meeshaalee ajjeesan kan dabalate keessatti hirmaataa yoo ta'e; miidhaan qaamaa ga'us ga'uu baatus, hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Balaan du'aa akka hin geenye tarkaanfileen eeggannoo barbaachisoo ta'an kan fudhataman yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma lama hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

3. Walmorkitoota keessaa hanga tokko du'utti morkichi itti fufa kan jedhame yoo ta'eefi morkataan biroo kan du'e yoo ta'e, adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle ni ta'a.
4. Morkataan kamiyyuu dambiilee addaa yookiin dambiilee barmaatilee lola morkii osoo beekuu kan cabseefi gocha seeraan ala raawwatame kanaan morkataa isa biroo kan madeesse yookiin kan ajjeese yoo ta'e; bu'uura tumaalee seera kanaan miidhaa yookiin ajjeechaa ilaalchisee tumamaniin ni adabama.

Keewwata 579. Lolli Morkii Akka Taasifamu Gaafachuu, Kakaasuufi Gargaaruu

1. Namni kamiyyuu nama biroo lola morkii kan gaafate yookiin gaaffii akaakuu akkanaa kan dabarse yookiin kan fudhate yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin yookiin morkichi adeemsifameera yoo ta'e hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

2. Gochichi irradeddeebiin kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalle ni ta'a.
3. Walmorkitoota keessaa tokko fedhii isaatiin morkicha keessaa kan bahe yookiin morkichi akka hin taasifamne kan ittise yookiin kan dhorke yoo ta'e; manni murtichaa nama kana yookiin walmorkattoota lamaanuu adabbii irraa bilisa gochuu ni danda'a.
4. Namni kamiyyuu doorsisaan, jajjabeessuun, tuffii isaa ibsuun yookiin haala biroo kamiiniyyuu namni tokko nama sadaffaa biroo waliin lola morkii akka taasisu kan kakaase yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin yookiin morkichi adeemsifameera yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

5. Sirrummaa adeemsa lola morkii mirkaneessuuf yookiin bu'aalee badaa inni hordofsiisu gamanumaa dhaabuuf ragoonni filataman, miseensonni bu'aa lolichaa murteessan, hakiimonni yookiin gargaarsa duraa kan kennan walmorkitoonni akka wallolan yoo jajjabeessan yookiin yoo kakaasan malee adabbiilee armaan olitti

www.abyssinialaw.com

ibsamaniin hin adabaman. Tumaaleen miiltummaa ilaallatanis isaan irratti hin raawwataman.

Mata Duree Lama

Yakkoota Bilisummaa Namaarratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Bilisummaa Dhuunfaa Namaarratti Raawwataman

Keewwata 580. Doorsisa

Namni kamiyyuu haala naasuu yookiin sodaa nama biroorratti kakaasuun, balaa yookiin miidhaa cimaa kan irratti gahu ta'uu isaa ibsuun, kan isa sodaachisu yoo ta'e; iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu, adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

Tumaan keewwata kanaa manni murtichaa balleessichi gara fuulduraatti amala gaariin akka qajeelu waadaa mirkaneessaa akka galuufi wabii gahaa akka waamu /keewwata 135/ ajajuurraa kan dhorku miti.

Keewwata 581. Doorsisa Himachuu Yookiin Salphisuu

Namni kamiyyuu nama biroo irratti yookiin nama isa waliin firooma dhiigaa yookiin gaa`elaa yookiin jaalalaan hidhata qabu irratti iyyannoo himannaa yookiin himannaa yakkaa yookiin wanta kabaja yookiin maqaa gaarii tuqun ibsa jedhee doorsisuun namni biroo fedhii isaa kan faallaa naamusa gaarii ta'e akka raawwatuuf yookiin dirqama akka seenu kan sossobe yoo ta'e, iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu, adabbii armaan olitti keewwata 580 jalatti ibsameen ni adabama.

Keewwata 582. Dirqisiisuu

Namni kamiyyuu haala keewwata armaan oliitiin ibsameen nama biroo irratti yookiin nama isaa wajjin firooma dhigaa yookiin gaa`elaatiin yookiin jaalalaan

www.abyssinialaw.com

hidhata qabu irratti gocha humnaatiin yookiin balaa cimaa geessisuuf doorsisuun yookiin karaa seeraa alaa yookiin hin malle biroo kamiiniyyuu bilisummaa miidhamtichaa gidduu seenuun wanti tokko akka raawwatu yookiin akka hin raawwanne yookiin wanti tokko akka ta'u akka hayyamu yookiin akka hin hayyamne kan dirqisiise yoo ta'e;

tumaa cimaa adabbii olaanaa kana caalu murteessuun kan itti gaafatamu yoo ta'e malee, hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 583. Dandeettii Murteessuu Dhabsiisuu

1. Namni kamiyyuu nama biroo fedhii isaatiin ala tolchaan, alkooliin yookiin baalawwan sammuu adoochan yookiin wantoota yookiin qorichoota sayikotiroppikii kennuun yookiin mala biroo kamiiniyyuu fajajeessuun dandeettii yaaduu yookiin murteessuu nama kanaa yookiin bilisummaa hojii isaa kan dhorke yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Tumaan keewwata kanaa akka haala dubbichaatti tumaalee rogummaa qaban waliin dabalataan raawwatamuu ni danda'a /keewwata 532-534/.

Keewwata 584. Tokko Ta'uu Yakkootaa

Doorsisichi, gochi humnaa, dirqisiisuun yookiin dandeettii murteessuu dhabsiisuun gochi akaakuu akkanaa raawwatame amala isaanii bu'uuraa kan ta'e, kan akka wanbadummaa, dirqisiisuun fayyadamuu, sodaachisuu (blackmail), dirqisiisanii gudeeduu yakkoota fakkaatan raawwachuuf karoorfachuun yookiin yakkoonni kun yommuu raawwatmanitti yoo ta'e, tumaan yakkoota kanaaf rogummaa qabu raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 585. Seeraan Ala Qabanii Tursuu

1. Namni kamiyyuu haala faallaa seeraa ta'een yookiin ajaja seera qabeessa malee nama biroo kan qabe, kan hidhe yookiin hidhamaadha jedhee qabee kan kaa'e

www.abyssinialaw.com

yookiin haala biroo kamiiniyyuu asiifi achi akka hin deemne bakka murtaa'etti kan dhorke yookiin bilisummaa isaa kan dhabsiise yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame:
   (a) sobaan dhukkuba sammuu qaba yookiin balaafamaadha jechuun yoo ta'e; yookiin
   (b) yeroo guyyaa torbaa ol ta'eef yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.

3. Gochichi kan raawwatame mootummaan, jaarmiyaan addunyaalessaa, namni dhuunfaa yookiin jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef hojii tokko yoo raawwate yookiin raawwachuurraa ofqusate malee lubbuu, qaama yookiin bilisummaa nama uggurameerratti miidhaa cimaan akka gahu yookiin hidhaan akka itti fufu doorsisuun kan ta'e yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahuun ni adabama.
4. Yakka keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti ibsame kan raawwate hojjetaa yookiin abbaa taayitaa mootummaa yoo ta'e tumaan addaa seera kana keessatti ibsame /keewwata 423/ raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 586. Nama Ugguruu

Namni kamiyyuu nama biroo humnaan ukkaamsuun kan fudhate yoo ta'e yookiin gochicha kana kan raawwate doorsisuun, dirqisiisuun, dabaan, gowwomsuun yookiin haala biroo kamiiniyyuu hayyama nama biroo kanaa erga argatee booda yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

Keewwata 587. Dubartii Butuu

1. Namni kamiyyuu dubartii tokko nanfuudha yaada jedhuun humnaan kan bute yoo ta'e, yookiin gocha kana kan raawwate sodaachisuun, doorsisuun, dabaan yookiin gowwomsuun hayyamamtuu akka taatu erga taasisee booda yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Gocha butiitti aanee raawwatichi dubartittii dirqisiisee kan gudeede yoo ta'e, bu'uura tumaa seera kanaan dirqisiisanii gudeeduu ilaalchisee tumameen dabalataan ni adabama.
3. Gochicha butiitti aanee isa buteefi ishii butamte gidduutti raawwatamuun fuudhaafi heerumaa itti gaafatamummaa yakkaa hin hambisu.
4. Miidhamtittiin gochicha butiitiin miidhaa sammuufi qabatamaa (material) ishiirraa gaheef bu'uura tumaalee seera hariiroo hawaasaa rogummaa qabaniin mirgi beenyaa gaafachuu ishii kan eegamedha.

Keewwata 588. Dubartii Dhukkubsattuu Sammuu Yookiin Humna Ofirraa Ittisuu Kan Hin Qabne Butuu

Namni kamiyyuu dubartii maraatte, hir'ina yookiin qummuuna sammuu qabdu, ofwallaalte yookiin ofirraa ittisuu yookiin miidhaa of irraa faccisuu kan hin dandeenye yookiin ofirraa ittisuu akka hin dandeenye kan taasifamte haala ishii osoo beekuu itti yaadee kan bute yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuun ni adabama.

Keewwata 589. Ijoollee Gaa`ela Hin Geenye Butuu

1. Namni kamiyyuu ijoollee gaa`ela hin geenye humnaan ukkaamsee kan fudhate yoo ta'e; yookiin gochicha kana kan raawwate doorsisuun, dirqisiisuun, dabaan, gowwomsuun yookiin haala biroo kamiiniyyuu hayyama ijoollee kanaa erga argatee booda yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Namni kamiyyuu ijoollee gaa`ela hin geenye maraatuu, hir'ina yookiin qummuuna sammuu qabu, ofwallaale yookiin ofirraa ittisuu yookiin miidhaa ofirraa faccisuu kan hin dandeenye yookiin ofirraa ittisuu akka hin dandeenye kan taasifame haala isaa osoo beekuu itti yaadee kan bute yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa digdamaa gahuu danda'uun ni adabama.

3. Namni kamiyyuu mirga guddisuu yookiin eeguu warrasaa yokkiin bulchaasaa seera qabeessa ta'e dhabsiisuuf karoorfachuun ijoollee gaa`ela hin geenye kan fudhate, kan bute yookiin seeraan ala qabee kan turse yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

4. Balleessichi ijoollee gaa`ela hin geenye guyyaa fudhaterraa kaasee guyyaa soddoma keessatti warra isaatti yookiin bulchaa isaatti kan deebise yoo ta'eefi keewwata itti aanu jalatti haalawwan yakka cimsan tarreeffaman keessaa tokkollee kan hin jirre yoo ta'e;

adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle ni ta'a.

Keewwata 590. Haalawwan Yakkicha Cimsan

1. Doorsisni, dirqisiisni, dandeettii murteessuu dhabsiisuun, seeraa ala qabanii tursuun yookiin butuun kan raawwatame:
   (a) faayidaa hin malle miidhamticharraa argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yookiin gocha addagummaaf yookiin sagaagalummaaf yookiin gocha faallaa safuu ta'eef fayyadamuuf yookiin gochicha kanaaf dabarsanii kennuuf yaaduun; yookiin
   (b) miidhamticha saamuuf yookiin furii fudhachuuf yookiin
   (c) haala garajabina addaatiin yoo ta'e; yakkichi kan cimu ta'ee, adabbichis tumaalee armaan gadiitiin akka ibsametti ta'a.
2. Yakkichi:
   (a) doorsisa yookiin dirqisiisuu /keewwata 580-582/ yommuu ta'u, hidhaa salphaa ji'a sadii hanga waggaa shanii gahuu danda'u;
   (b) dandeettii murtii dhabsiisuu yookiin seeraan ala qabanii tursuu /keewwata 583 fi 585/ yommuu ta'u; hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen;
   (c) butuu /keewwata 586 fi 587/ yommuu ta'u; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uun;

www.abyssinialaw.com

(d) dubartii dhukkubsattuu sammuu taate yookiin ofirraa ittisuuf humna hin qabne butuu /keewwata 588/ yommuu ta'u; hidhaa cimaa waggaa torbaa hanga waggaa digdamaa gahuu danda'uun; yookiin

(e) ijoollee gaa`ela hin geenye butuu (hatuu) /keewwata 589/ yommuu ta'u, hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun ni adabsiisa.

Keewwata 591. Daa'ima Waljala Jijijjiiruufi Daa'ima Ofii Kan Hin Taane Fudhachuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:
   (a) daa'ima tokko daa'ima birootiin kan jijjiire yoo ta'e; yookiin
   (b) daa'ima ofii hin deenye (hin godhanne) kan kooti jedhee kan fudhate yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 592. Ijoollee Gaa`elaaf Hin Geenye Dhiheessuu Dhabuu

Namni ijoollee gaa`ela hin geenye akka eegu imaanaa fudhate kamiyyuu bu'uura seeraatiin yookiin ajaja yookiin murtii mana murtiin nama yookiin dhaabbata ijoollee akka fudhatu mirga isaa ta'eef dabarsee hin kennu kan jedhe yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 593. Haala Addaa Firoota Ol Lakkaa'aman Ilaallatu

Ijoollee gaa`ela hin geenye kan bute /keewwata 589/ yookiin hin dhiyeessu kan jedhe /keewwata 592/ abbaa dhalche yookiin haadha deesse yookiin abbaa guddifate yookiin haadha guddifatte yookiin fira ol lakkaa'amu kan biroo yoo ta'eefi kanas kan raawwate yaada eegdummaa isaa mirkaneessuun qofa yookiin miira kabajaa olaanaan kaka'uun yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 594. Haalawwan Ulfaatoo

Yakki keewwata 592 yookiin keewwata 593 jalatti ibsame kan raawwatame ijoollee gaa`ela hin geenye fageessee jiraachisuuf yookiin amantii itti amanuuf yookiin miira isaa olaanaaf naannoo alagaa ta'etti akka madaqu taasisuuf yoo ta'e;

adabbichi hidhaa salphaa waggaa shan hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 595. Sababa Siyaasaan Nama Ugguruu

1. Namni kamiyyuu sababa siyaasaaf doorsisaan, dabaan, gocha humnaan yookiin dirqisiisuun nama biroo ugguree lubbuu, qaama, yookiin fayyaa yookiin bilisummaa isaarratti balaan akka ga'u taasisuuf:
   (a) abbaa taayitaa, waldaa, garee yookiin paartii siyaasaa tokkoof dabarsee kennuuf biyya alaatti akka bahu kan taasise yoo ta'e; yookiin
   (b) garee yookiin paartii siyaasaa biyya keessatti argamu tokkoof dabarsee kan kenne yoo ta'e; yookiin
   (c) biyya keessatti ummata irraa adda bahee akka turu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu ugguricha kan ajaje yookiin kan gurmeesse yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa digdama hin caalleen ni adabama.

Keewwata 596. Nama Garboomsuu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) nama biroo dirqisiisee garbummaan kan qabate, kan gurgure, kan dabarse, qabsiisaan kan biroof dabarsee kan kenne, kan bite yookiin tooftaa akaakuu kamiiniyyuu kan ittiin daldale, bakkaa gara bakkaatti kan nanaannesse yookiin humna isaatti kan tajaajilame yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) haala dhoksaanis yoo ta'e akka garbaatti nama kan qabe yookiin kan turse yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu haala armaan olitti ibsame keessatti nama argamu iddoo ga'umsaa daangaa Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti argamu geessisuuf yookiin dabarsee kennuuf karoorfachuun itti yaadee karaa lafaa, galaanaa, yookiin qilleensaan kan erge, kan geejjibe, daddabarsa isaa kan hoggane yookiin kan gargaare yoo ta'e;

adabbii armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

3. Yakkichi kan raawwatame daa'imman, dubartoota, sammuun kan dadhaban yookiin dhukkubsattoota irratti yoo ta'e;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamaa gahuu danda'u ni ta'a.

Keewwata 597. Dubartootaafi Ijoolleen Daldaluu

1. Namni kamiyyuu dubartii yookiin ijoollee gaa`ela hin geenye hojii dirqamaa akka hojjettu /hojjetu/ taasisuuf yaaduun humnaan, doorsisuun, dabaan, gowwomsuun, ugguruun /ukkaamsuun/ yookiin nama dubartittii yookiin ijoollee irratti itti gaafatamummaa qabuuf maallaqa yookiin faayidaa biroo kennuun miidhamtittii (miidhamticha) kan file, harkatti kan galfate, kan dhokse, iddoorraa iddootti kan daddabarse, biyyaa kan baase, yookiin biyyatti kan galche yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu miidhamaa keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame daangaa Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti bu'uura kaayyoo keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen itti yaadee karaa lafaa, galaanaa, yookiin

www.abyssinialaw.com

qilleensaan kan erge, kan geejjibe, daddabarsicha kan hoggane yookiin kan gargaare yoo ta'e;

adabbii armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

Keewwata 598. Karaa Seeraan Alaatiin Lammiilee Itoophiyaa Hojiif Biyya Alaatti Erguu

1. Namni kamiyyuu osoo hayyama hin qabaatiin yookiin karaa seeraan alaa biroo kamiiniyyuu lammii Itoophiyaa hojiif biyya alaatti kan erge yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdamii shan hin caalleen ni adabama.

2. Sababa gocha kanaan lammiin Itoophiyaa ergamte mirga namoomaa, lubbuu yookiin qaama ishii irratti miidhaan kan qaqqabe yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caallee ni ta'a.
3. Gochi walfakkaatu lammiilee Itoophiyaa dhiira ta'an irratti yommuu raawwatamu tumaaleen keewwata kanaa raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 599. Yakkoota Mata Duree Kana Keessatti Ibsaman Irratti Hirmaannaa Yakkaa Waldaa Seeraan Alaafi Jaarmiyaa Namummaan Seeraan Kennameefii

1. Mata duree kanaan akka tumametti bilisummaa namootaa irratti yakki raawwatame jechuunis; doorsisni, dabni, dirqisiisni, dirqamaan qabanii tursiisuun, ugguruun, dirqamaan garboomsuun, gurgurtaan yookiin daddabarsuun garbaa, yookiin dubartootaafi ijoolleen daldaluun yookiin karaa seeraan alaatiin lammiilee Itoophiyaa biyya alaatti erguun kan raawwatame karaa kamiiniyyuu garee yookiin waldaa namoota daldaluuf hundeeffameen yoo ta'e; garichi yookiin waldichi diigamee adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen ni adabama.

   adabbiin kun balleessitonni dhuunfaa isaaniitiin yakka raawwataniif adabbii isaanitti murtaa'u hin hambisu.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkicha kan raawwate jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef yoo ta'e, akka akaakuufi cimina yakkichaan bu'uura seera kana keewwata 90 tiin ni adabama.

Keewwata 600. Hir'ina Hordoffii Yookiin To'annaa

1. Daangaa caasaa mootummaa keessatti abbaan taayitaa sadarkaa sadarkaan jiru daangaa naannoo bulchu, daangaasaa keessatti daddabarsi garbaa akka hin raawatamne yookiin gochoonni daldala garbaa waliin wal qabatan akka hin raawwatamne hordofee yookiin to'atee tarkaanfii barbaachisaa isarraa eegamu kan hin fudhanne yoo ta'e; akka ulfaatina dubbichaatti keewwata 596-599tti hanga adabbii maallaqaa olaanaa tumameen adabamuu ni danda'a.
2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalle ni ta'a.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Mirga Namoota Biroo Irratti Raawwataman

Keewwata 601. Mirga Siviiliitti Bilisaan Fayyadamuu Dhorkuu

1. Namni kamiyyuu doorsisuun, gocha humnaan, gowwomsuun yookiin karaa biroo seeraan ala ta'een:
    (a) namni biroon mirga siviilii heera mootummaan yookiin seerota biroon kennamaniif keessaa tokko keessumattuu mirga warrummaa yookiin guddistummaa, himachuu yookiin mana murtiitti dhihaachuutti akka hin fayyadamne kan dhorke yoo ta'e; yookiin
    (b) namni biroon mirga kanneen keessaa tokkotti karaa murtaa'een akka itti fayyadamu kan dirqisiise yoo ta'e;

    gochichi tumaa biroo ifa ta'een kan adabsiisu yoo ta'e malee hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkoonni hojii bilisaa ummataafi siyaasaa tuquu, keessumattuu yakkoonni mirga sagalee kennuufi filannoo tuquu kan raawwataman yoo ta'e, tumaaleen addatti dhimma kana ilaallatan raawwatamoo ni ta'u /keewwata 467/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 602. Mirga Bilisummaan Socho'uu Sarbuu

1. Namni kamiyyuu seeraan aangoo osoo hin qabaatiin namni biroon Itoophiyaa keessa bilisaan akka hin sochoone kan dhorke yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Balleessichi hojjetaa mootummaa yoo ta'e; tumaa rogummaa qabu kan seera kanaan tumameen ni adabama /keewwata 407/.

Keewwata 603. Mirga Bilisummaa Hojii Sarbuu

1. Namni kamiyyuu doorsisuun, gocha humnaan, gowwomsuun yookiin karaa seeraan alaa birootiin nama biroo:
   (a) hojii yookiin haala hojii murtaa'e tokko akka fudhatu, yookiin hojjechiisaan isaa haalawwan hojii akka fudhatu yookiin akka fooyyessu yaaduun hojii akka didu yookiin akka dhaabu kan dirqisiise; yookiin
   (b) keewwata kana keewwata xiqqaa (1)(a) jalatti kanneen ibsaman raawwachuuf kaayyoo isaa kan ta'e garee yookiin waldaa tokko keessa akka galu yookiin miseensa garee tokkoo akka ta'u kan dirqisiise, yookiin garee yookiin waldaa akaakuu akkanaa keessaa akka barbaadetti yookiin yeroo barbaadetti akka hin baane kan dhorke yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Doorsisicha yookiin gochicha humnaa namni raawwate yookiin namoonni raawwatan meeshaalee waraanaa yookiin meeshaalee biroo kan qabatan yoo ta'e, yookiin gochi dhorkuu yookiin dirqisiisuu gocha namoota baay'ee yoo ta'e, manni murtichaa hidhaa keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame adabbii maallaqaa waliin ni murteessa.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 604. Manneen Dhuunfaa Yookiin Iddoowwan Daangeffaman Sarbuu

1. Namni kamiyyuu seeraan ala:

   (a) namni jiraataa seera qabeessa ta'e osoo mormuu gara manaa, mooraa, bidiruu yookiin iddoo biroo jireenyaaf tajaajilu kamiyyuu yookiin gara iddoo mana isaa yookiin iddoo jireenyaa isaa waliin walqabateefi daangeffame yookiin iddoo biqiltootaa yookiin gara qabeenya biroo qabiyyee dhuunfaa ta'e tokko kamiyyuu kan seene yoo ta'e; yookiin

   (b) namni kan keessa hin jiraanne yoo ta'ellee gara gamoo, biirolee, mankuusaa yookiin mooraa mana hojii, jaarmiyaa, kubbaaniyaa yookiin waldaa namummaa seeraa qabu tokkoo osoo hin hayyamamiiniif humnaan kan seene yoo ta'e; yookiin

   (c) jiraataan seera qabeessichi osoo isa hin mormiin yookiin isaaf hayyamee erga seenee booda akka bahu yommuu gaafatu kan hin baane yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa sadii hincaalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkicha kan raawwate gocha akaakuu akkanaa akka raawwatu hojjetaa mootummaa hin hayyamamneef, yookiin yoo hayyamameefis seera, eeggannoo yookiin sirna hordofuu qabu kan hin hordofne yoo ta'e; tumaan addaa /keewwata 422/ raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 605. Haalawwan Yakkicha Cimsan

Yakkichi kan raawwatame:

   (a) meeshaa qabachuun, doorsisuun, yookiin gocha humnaan fayyadamuun yoo ta'e; yookiin

   (b) walta'iinsa tuuta namootaan yoo ta'e; yookiin

   (c) haala biroon seeraan kan hayyamame akkuma eegametti ta'ee, galgala saatii 12:00 hanga ganama saatii 12: 00 itti yeroo jirutti yoo ta'e; yookiin

   (d) hojjetaa yookiin abbaa taayitaa mootummaa fakkaatee dhihaachuun yoo ta'e,

www.abyssinialaw.com

adabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 606. Mirga Dhuunfaa Walii Barreessuu Yookiin Qunnamtii Sarbuu

1. Namni kamiyyuu seeraan osoo hin hayyamamiiniif:
   (a) kan isaa kan hin taane qunnamtii hojii (mana hojii) raawwachiisa dhimmaa yookiin kan dhuunfaa kan ta'e xalayaa (poostaa) saamsame yookiin hin saamsamne yookiin kan walii barreessuu, kan teelegraamaa, kan bilbilaa (telephone), kan elektiroonikaa, yookiin kan telekominikeeshinaa yookiin tooftaa biroo kamiiniyyuu taasifamu, xalayaa yookiin envelooppii saamsame yookiin kan daldalaa yookiin kan dhuunfaa kan ta'e tokko, mi'a saamsame yookiin wanta ergame kamiyyuu itti yaadee kan bane yookiin waan keessa jiru kan beeke yoo ta'e; yookiin
   (b) xalayaa yookiin wanta saamsame akaakuu akkanaa kan isaaf hin ergamne dogoggoraan yookiin dagannoon banuun wantoota tokko tokko erga beekee booda nama biroo kan beeksise yookiin faayidaa kan irraa argate yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen yookiin akkuma haala dubbichaatti hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu itti yaadeefi karaa seeraa ala ta'een xalayaa yookiin mi'a ergamu akaakuu akkanaa bakka itti ergame akka hin geenye kan addaan kute yookiin kan hambise, bakka biroo akka qaqqabu kan taasise yookiin kan barbadeesse yoo ta'e gochichi tumaa adabbii olaanaa hordofsiisuun kan gaafachiisu yoo ta'e malee, himannaa yakkaa dhiheessuun hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.
3. Tumaaleen yakkoota iccitii hojii baasuu hojjettoota mootummaatiin raawwataman, mi'a imaanaan kenname irratti seeraan ala ajajuufi fudhannaafi miliqsuu raawwii hojii keessatti raawwatamu /keewwata 397,412 fi 413/ ilaallatan akka eegamanittidha.

www.abyssinialaw.com

Mata Duree Sadi

Yakkoota Kabajarratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 607. Qajeeltoo

1. Sadarkaan jireenya hawaasummaa yookiin gonfi balleessichaa yookiin miidhamtichaa maaliyyuu yoo ta'e, haalawwan tumaalee armaan gadii keessatti ibsaman keessaa tokkoon yakkoonni kabaja yookiin maqaa gaarii irratti raawwataman ni adabsiisu.

   Yakkoonni kun namoota uumamaa yookiin qaamolee namummaan seeraa kennameef irratti raawwatamuu ni danda'u. Namoota uumamaa ilaalchisee yakkoonni kun namoota lubbuun jiran, du'an yookiin murtiin baduu kan itti murtaa'e irratti raawwatamuu ni danda'u.
2. Manni murtichaa yakkoota addaddaa kanaaf adabbii kan murteessu cimina yakkichaa, haala miidhamtichaa, bal`inaan beekamuu yookiin odeeffamuu yakkichaa tilmaama keessa galchuun ta'a.

Keewwata 608. Tooftaalee Yakkichi Ittiin Raawwatamu

Yakkoonni kabaja yookiin maqaa gaarii miidhuu kallattii yookiin alkallattii ta`an jechaan, sagaleen, barreeffamaan, suuraan, fakkiin, mallattoon, qisuun yookiin sochii qaamaan yookiin karaa biroo kamiiniyyuu raawwatamuu ni danda'u. Karaa kamiiniyyuu galmeessisuun, baay'isuun, daddabarsuun, beeksisuun yookiin ifatti agarsiisuun, barreessuun, karaa alkallattii kamiyyuu kan mul'atuun yookiin kan dhagahamuun tooftaan yakkichi ittiin raawwatamu yookiin odeeffamu, tooftaa idileefi kallattii yakkichi ittiin raawwatamu waliin walqixa ilaalama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 609. Yakkichi Qaama Namummaan Seeraa Kennameefiin Yommuu Raawwatamu Adabbii Murtaa'u

1. Yakkichi kan raawwatame jaarmiyaa qaamni namummaa seeraan kennameefiin yommuu ta'u, adabbiin itti murtaa'u adabbii maallaqaa ni ta'a.
2. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin adabbiin qaama namummaan seeraa kennameef irratti murtaa'u, hojgaggeessaan, daarekteeriin, bulchaan, to'ataan, abbaanaan, bakka bu'aan yookiin miseensi biroo yakka kana dhuunfaa isaatiin raawwachuun isaa itti mirkanaa'e akka hin adabamne hin dhorku.

Keewwata 610. Beenyaa

1. Miidhaa qabatamaa yookiin hamilee miidhamticharra gaheef beenyaan kennamu mana murtiitiin kan murtaa'u bu'uura tumaalee waliigalaa seera kanaan /keewwata 101/, ulfaatinaafi hamma miidhaa akkasumas haala balleessichaafi miidhamtichaa tilmaama keessa galchuun ni ta'a.
2. Beenyaan hamilee (moral) mana murtiitiin ajajamu keessumattuu murticha, kutaa murtichaa tokko yookiin kutaa murtichaa raawwatamu /keewwata 155/ beeksisa baasuun (maxxansiisuun) ummataaf beeksisuun kan raawwatamu yommuu ta'u, yaada walfakkaatuun murteessuufi tokkoon tokkoon dhimmaarratti hamma eegumsaa barbaachisu waliin wal simachuu qaba.

Keewwata 611. Mirga Himatamuu Dhabuu

Heera mootummaan kan hundeeffaman miseensonni seera baastuu, seera raawwachiistuu yookiin seera hiiktuu bu'uura hojii isaaniifi hojii idilee isaaniin yommuu raawwatan akkaataa hojmaataa (form) isaaniin odeeffannoo yookiin haasawwan sirrii ta'an kennaniin yookiin taasisaniin kabaja tuqaniiru jechuun himatamuu hin danda'an.

Keewwata 612. Qeeqawwaniifi Haasawwan Hin Adabsiisne

Akka maqaa balleessuutti yookiin kabaja tuquutti lakkaawamanii kanneen hin adabsiisne:

www.abyssinialaw.com

(a) kennaa uumamaa, sochii hojii ogummaa yookiin hawaasummaa, artii, hojii yookiin kalaqa ogbarruu yookiin saayinsaawaa nama dhuunfaa irraatti yaadawwan bilchaataa yookiin ceephoowwan bu'uura qaban jecha sirrii ta'eefi nama hin quuqneen kennaman; yookiin

(b) wantoonni jedhaman hojicha waliin rogummaa qabaniifi raawwii hojii keessa ta'anii kan dubbatamanis kabaja tuquuf yaaduun osoo hin ta'iin, yeroo hojii isaa raawwatutti, keessumattuu qorannoon, gabaasa gochuun yookiin jecha ragummaa fuudhuun, mana murtii yookiin mana hojii bulchiinsaatti falmuun, yeroo tajaajila odeeffannoo mootummaa hayyamametti hojjetaa mootummaan, abukaattoon yookiin dubbifixaan ogeessa addaatiin yookiin ragaa namaatiin, gaazexeessaan yookiin nama biroo kamiiniyyuu qajeelummaan haasawwan, ibsawwan yookiin yaadawwan taasifaman yookiin irradeddeebiin dubbatamanidha.

Boqonnaa Lama

Tumaalee Addaa; Kabaja Tuquu

Keewwata 613. Maqaa Balleessuufi Hamii Sobaa

1. Dubbichi dhugaa ta'ee kabaja yookiin maqaa gaarii nama biroo miidhuuf yaaduun namni biroo hojii akkanaa hojjeteera, wanta akkasii raawwateera, waan badaa akkasii qaba jechuun garee sadaffaatti kan beeksise yookiin kan ibse namni kamiyyuu;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu maqaa balleessuun hidhaa salphaa ji'a jaha hincaalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

   Namni tokko bu'uura murtiitiin yakka balleessummaan isaa itti mirkanaa'e yookiin haala seeraan itti adabame yookiin dhiifama yookiin baraarsa itti argate tuquun dubbachuun yookiin ibsuun akka maqaa balleessuutti lakkaawamee bu'uura adabbii armaan olitti ibsameen ni adabsiisa.

2. Dubbiin odeeffame yookiin ibsame soba ta'uun isaa osoo beekamuu gochichi kan raawwatame yoo ta'e; iyyannoon dhuunfaa balleessicharratti yommuu dhihaatu

www.abyssinialaw.com

hamii sobaan hidhaa salphaa ji'a tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

3. Balleessichi yakkicha kan raawwate maqaa gaarii irratti miidhaa olaanaa geesssisuuf yaaduun yoo ta'e; miidhamaan iyyannoo dhuunfaa yommuu dhiheessu, adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa ni ta'a
4. Dubbiin odeeffame yookiin ibsame soba ta'ee gochichi dagannoon kan raawwatame yoo ta'e, iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabsiisa.
5. Abbaa taayitaa biratti nama sobaan yakkuun yookiin himachuun bu'uura keewwata 447 tiin kan adabsiisu waan ta'eef yakka maqaa balleessuutiin dabalataan hin adabsiisu.

Keewwata 614. Garaagarummaa Dhugaafi Faayidaalee Olaanaa Eeguuf Taasifamu

1. Namni maqaa balleessuun himatame, miidhuuf karoorfadhee hin dubbanne, yookiin kanan dubbadhe itti amanuu baadhullee namni biroo kan dubbate yookiin ummanni kan beekudha; yookiin shakkiin yookiin osoo hin ta'iin hin hafu jedhee dimshaashatti ofirraa ittisuu hin danda'u.
2. Balleessichi kan dubbate yookiin kan ibse dhugaa ta'ee yookiin dhugaa ta'uusaa beekuuf sababa gahaa qabaatee yeroo gochicha raawwatu;
   (a) maqaa yookiin kabaja nama biroo balleessuuf yookiin miidhuuf yaada kan hin qabne ta'uu isaa;yookiin
   (b) faayidaa waliigalaa ummataaf yookiin faayidaa olaanaaf yookiin kaayyoo safuuf barbaachisaa ta'eef ta'uusaa;

   kan hubachiise yoo ta'e, yakka maqaa balleessuun hin adabamu.
3. Raawwatichi kan himatame hamii sobaan yoo ta'e; faayidaa ummataa yookiin faayidaa olaanaa biroo tuquun haala kamiiniyyuu adabbii jalaa bahuu hin danda'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 615. Arrabsoofi Salphisuu

Gochichi bu'uura dambii darbuutiin /keewwata 844/ kan adabsiisu yoo ta'e malee namni kamiyyuu miidhamaatti kallattiin dubbachuun yookiin agiboon, arrabsoon kabaja isaa kan tuqe yookiin mallattoon yookiin haala biroo kamiiniyyuu kan salphise yoo ta'e;

iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaa ji'a sadii hincaalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba sadii hincaalleen ni adabama.

Keewwata 616. Kakaasuufi Haaloo Bahuu

1. Namni arrabsuun yookiin salphisuun himatame gocha isaa kana dhiifamaan akka darbamu kan taasisu gochi yookiin hojiin kakaasuu isarratti raawwatame nama sadaffaa biroo irrattillee yoo aggaamame hedduu leeyyaasisaa, jibbisiisaa yookiin fokkisaa ta'uu danda'uun kakaafamee yookiin dhiibamee yoo ta'e; manni murtichaa adabbii irratti murteessuu dhiisuu ni danda'a.
2. Miidhamtichi arrabsoo yookiin salphisuu isarra gaheef akaakuu gocha isarratti raawwatameen battalumatti haaloo kan bahe yoo ta'e, manni mirtichaa akka haala dubbichaatti balleessitoota lamaan yookiin lamaan isaanii keessaa isa tokko bilisa taasisuu ni danda'a.

Keewwata 617. Jecha Kaasuufi Gaabbuu

1. Dhimmichi mana murtiitti ilaalamaa yommuu jirutti namni kabaja tuquun himatame gochicha kanan raawwadhe seeraa ala jechuun gaabbii isaa barreeffamaan yookiin jechaan mana murtichaaf kan ibse yoo ta'e; manni murtichaa adabbicha salphisuu ni danda'a/keewwata 179/.
2. Yommuu kun ta'us, namni dhimmichi ilaallatu dhimma barbaachisaa ta'e hundaaf akka oolchutti, himatamtichi kanan jedhe kaaseera, balleesseeras jechuun gaabbii isaa kan ibse ta'uusaa kan agarsiisu mirkaneessa barreeffamaa manni murtichaa miidhamaaf kennuu qaba.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 618. Haalawwan Addaa Yakkicha Cimsan

1. Maqaa balleessuun, hamiin sobaa /calumny/, arrabsoon yookiin salphisuun hojjetaa mootummaa dirqama hojii isaa raawwachaa jiru irratti yookiin karaa hojii mootummaa isaa waliin walqabateen itti yaadamee kan raawwatame yoo ta'e; iyyannoon dhuunfaa yommuu dhihaatutti:
   (a) yakkichi arrabsoo yookiin salphisuu yommuu ta'u, hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen;
   (b) yakkichi maqaa balleessuu yommuu ta'u, hidhaa salphaa ji'a tokkoo hanga waggaa tokkoo gahuu danda'uufi adabbii maallaqaatiin; yookiin
   (c) yakkichi hamii sobaa yommuu ta'u, hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin; yookiin
   (d) yakkichi kan raawwatame maqaa gaarii miidhamtichaa irratti miidhaa olaanaa qaqqabsiisuuf karoorfachuun yoo ta'e, hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Seera kanaan kabaja biyyaa tuquu /keewwata 244/, mootummaa biyya alaafi jaarmiyaalee mootummoota gidduutti hundeeffaman salphisuu /keewwata 264 fi 266/, muudamaa loltuu olaanaa arrabsuu /keewwata 297/ fi mana murtii jeequu /keewwata 449/ tumaaleen addaa ibsaman akkuma eegamanittidha.

Keewwata 619. Yakki kabaja Namoota Badanii yookiin Du'anii Tuquu Yommuu Raawwatamu Haala Himannaan Itti Dhihaatu

1. Bu'uura boqonnaa kanaatiin yakkoota kabaja tuquun adabsiisan keessaa tokko kan raawwatame nama du'e yookiin baduun isaa mirkanaa'e irratti yoo ta'e; iyyannoo dhuunfaa dhiheessuuf mirga kan qaban ijoollee isarraa dhalatan yookiin guddifate, haadha warraa isaa, isaan kun kan hin jirre yoo ta'e, warra isaa dhiigaa yookiin kan guddifatan, akkasumas obbolaa isaa ni ta'u.
2. Darbiinsi yeroo himannaa dhiheessuu kabaja dhuunfaa tuquu tumaalee darbiinsa yeroo idileen ni qajeelfama.

   Wantoonni yaadannoo kabajaa nama miidhamee tuqaniiru jedhaman gara damee seena qabeessa, ogummaa, hogbarruu, yookiin saayinsaawaatti kan naanna'an hojjiiwwan ummataa akaakuu kamiyyuu kan ilaallatan yoo ta'e; gochi yakkisiisu

www.abyssinialaw.com

yommuu raawwatametti du'uun yookiin baduun miidhamaa erga mirkanaa'ee yoo xiqqaate waggaa soddoma erga darbee booda iyyannoon dhuunfaa isaa fudhatama hin qabu.

Mata Duree Afur

Yakkoota Amala Gaariifi Firoota Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Amala Gaarii Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Yakkoota Bilisummaafi Qulqullummaa Saalqunnamtii Irratti Raawwataman

Keewwata 620. Dirqisiisanii Gudeeduu

1. Namni kamiyyuu gocha humnaa fayyadamuun yookiin doorsisa cimaan yookiin akka of wallaaltu yookiin karaa biroo kamiiniyyuu akka ofirraa ittisuu hin dandeenye taasisuun, gaa`elaan ala dirqisiisee dubartii tokko wajjin saalqunnamtii kan raawwate yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuun ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame:
   (a) ijoollee durbaa umuriin ishee waggaa kudha sadii ta'ee, waggaa kudha saddeet hin guunnerratti yommuu ta'u; yookiin
   (b) dubartii mana sooramaa, iddoo kadhannaa, dhaabbata yaalaa, barnootaa, sirreessa amalaa, bakka hidhaa yookiin turmaataa namoota qabamanii gaggeessummaa, to'annoo yookiin aangoo balleessichaa jala jiru keessatti argamtu yookiin eegumsa yookiin to'annoo himatamtichaa jalatti argamtu yookiin hirkattuu isaa taaterratti yommuu ta'u; yookiin
   (c) dubartii dullumaan, dhukkuba qaamaa yookiin sammuutiin, muusa'uu sammuutiin, yookiin sababa biroo kamiiniyyuu maalummaa gochichaa

www.abyssinialaw.com

/amala/ yookiin bu'aa gochichi hordofsiisu adda baastee beekuuf yookiin ofirraa ittisuuf hin dandeenye irratti yommuu ta'u; yookiin

(d) garajabinaan yookiin gidirsuun yookiin gamtaa dhiirota baay'inni isaanii tokkoo ol ta'een yommuu ta'u;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuu danda'u ni ta'a.

3. Dirqisiisanii gudeeduun miidhaa olaanaa qaamaa yookiin sammuu yookiiin du'a kan hordofsiise yommuu ta'u; adabbichi hidhaa umurii guutuu ni ta'a.
4. Yakka dirqisiisanii gudeeduu waliin wal qabatee yakki miidhamtuu seeraan ala qabanii tursuu yookiin butuu raawwatame yookiin miidhamtuun sababa yakkichaan dhukkubni kan itti darbe yommuu ta'u, tumaaleen seera kanaa rogummaa qaban dabalataan raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 621. Dhiira Tokko Dirqisiisanii Saalqunnamtii Akka Raawwatu Taasisuu

Dubartiin tokko dhiira tokko dirqisiistee ishii waliin saalqunnamtii akka raawwatu kan taasiste yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa shan hincaalleen ni adabamti.

Keewwata 622. Gocha Humnaa Kabaja Qulqulluummaa Irratti Raawwatamu

Namni kamiyyuu nama saalaan faallaa isaa ta'e humnaan, doorsisa cimaan, yookiin karaa biroo kamiiniyyuu mormuu akka hin dandeenye erga taasisee booda, gocha saalqunnamtii fakkaatu yookiin gocha kabaja qulqullummaaf faallaa ta'e akaakuu kamiyyuu akka raawwatu yookiin raawwachuuf tole akka jedhu kan dirqisiise yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudhan hincaalleen yookiin hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 623. Miidhaa Kabaja Qulqulluummaa Sarbuu Namoota Of Wallaalan Yookiin Sammuun Dadhaboo Ta'an Yookiin Mormuu Hin Dandeenye Irratti Raawwatamu

Namni kamiyyuu dandeettii dhabuu miidhamtichaa osoo beekuu humnaan yookiin doorsisaan osoo hin ta'iin nama qalbii dhabe, sammuun dadhabe yookiin qummuune, maraatuu yookiin of wallaale yookiin sababa biroo kamiiniyyuu maalummaa gochichaa yookiin bu'aa gochichi hordofsiisu adda baasee beekuu hin dandeenye waliin saalqunnamtii kan raawwate yookiin gocha kana fakkaatu yookiin amala gaariif faallaa ta'e biroo kan raawwate yoo ta'e;

akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen, yookiin hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 624. Miidhaa Kabaja Qulqullummaa Sarbuu Namoota Hospitaala Ciisan, To'annaa Jala Jiran Yookiin Hidhaman Irratti Raawwatamu

Namni kamiyyuu muudama isaa, aangoo yookiin gonfa isaa fayyadamuun nama mana sooramaa, buufata baqattootaa yookiin kenniinsa barnoota guddisa gaarii kamiyyuu, sirreessa amalaa, dhaabbilee yookiin iddoolee hidhaa yookiin gaggeessummaa, to'annoo yookiin aangoo isaa jalatti bulu yookiin hospitaala keessatti argamu waliin saalqunnamtii kan raawwate yookiin gocha kana fakkaatu yookiin amala gaariif faallaa ta'e biroo kan rawwate yoo ta'e;

akka haala dubbichaatti hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen yookiin hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen ni adabama.

Keewwata 625. Gocha Rakkoo Olaanaa Yookiin Hirkattummaa Dubartiin Tokko Qabdu Sababa Godhachuun Raawwatamu

Haalawwan armaan olitti ibsamaniin ala, namni kamiyyuu rakkoo qabatamaa olaanaa yookiin gadda sammuu dubartii tokkorra gahe sababa godhachuun yookiin sababa eegdummaan, barsiisummaan, bulchummaan, hojjechiistummaan yookiin qunnamtii kana fakkaatu biroo kamiiniyyuu aangoo, itti gaafatamummaa

www.abyssinialaw.com

yookiin dandeettii argate fayyadamuun dubartii jedhamte waliin saalqunnamtii kan raawwate yookiin gocha saalqunnamtii fakkaatu yookiin gocha akaakuu biroo kabaja qulqullummaaf faallaa ta'e kan raawwate yoo ta'e;

iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaan ni adabama.

Keewwata 626. Miidhaa Saalqunnamtii Ijoollee Umuriin Isaanii Waggaa Kudha Sadii Ta'eefi Waggaa Kudha Saddeet Hin Guunne irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu ijoollee saala faallaa qabdu, umuriin ishii waggaa kudha sadii ol ta'ee, waggaa kudha saddeet hin guunne waliin saalqunnamtii kan raawwate yookiin ijoolleen kun gocha akaakuu akkanaa isa waliin akka raawwattu kan taasise yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Dubartiin tokko ijoollee umuriin isaa waggaa kudha sadii ta'ee, waggaa kudha saddeet hin guunne ishii waliin saalqunnamtii akka raawwatu kan taasifte yoo ta'e;

hidhaa cimaa hanga waggaa torbaa gahuu danda'uun ni adabamti.

3. Namni kamiyyuu ijoollee isa waliin saala faalla ta'e qabuufi umuriin isaa waggaa kudha sadii ta'ee, waggaa kudha saddeet hin guunne irratti gocha saalqunnamtii fakkaatu yookiin gocha akaakuu biroo kabaja qulqullinaaf faallaa ta'e kamiyyuu kan raawwate yookiin ijoolleen kun gocha akaakuu akkanaa akka raawwatu kan kakaase yookiin itti yaadee gocha akaakuu akkanaa ijoollee kana duratti kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa hanga waggaa shanii gahuu danda'uun ni adabama.

4. Miidhamaan barataa, barataa barumsa shaakala ogummaa, hojjettuu/taa manaa balleessichaa, yookiin ijoollee balleessichi guddifatummaan guddisu yookiin akka eegu yookiin akka kunuunsu imaanaan itti kenname yookiin karaa biroo

www.abyssinialaw.com

kamiiniyyuu kallattiin hirkattummaa isaa yookiin to'annoo isaa jalatti kan argamu yoo ta'e;

(a) yakka keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame ilaalchisee adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuu danda'u ni ta'a.

(b) yakka keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame ilaalchisee, adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'u ni ta'a.

(c) yakka keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsame ilaalchisee, adabbichi hidhaa cimaa waggaa torba hin caalle ni ta'a.

5. Yakkichi miidhamaa irratti miidhaa qaamaa yookiin sammuu cimaa yookiin du'a kan hordofsiise yoo ta'e; tumaan seera kanaa rogummaa qabu dabalataan raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 627 Miidhaa Saalqunnamtii Daa'imman Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu daa`ima isa waliin saala faallaa qabdu, umuriin ishii waggaa kudha sadii hin guunne waliin saalqunnamtii kan raawwate, yookiin daa`imni kun gocha akaakuu akkanaa isa waliin akka raawwattu kan taasise yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa kudha shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuu danda'uun ni adabama.
2. Dubartiin tokko daa`ima umuriin isaa waggaa kudha sadii hin guunne ishii waliin saalqunnamtii akka raawwatu kan taasifte yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabamti.
3. Namni kamiyyuu daa`ima isa waliin saala faallaa qabuufi umuriin isaa waggaa kudha sadii hin guunne irratti gocha saalqunnamtii fakkaatu yookiin kabaja qulqullummaaf faallaa ta'e gocha akaakuu biroo kamiiniyyuu kan raawwate yookiin daa`imni kun gocha akaakuu akkanaa akka raawwatu kan kakaase yookiin itti yaadee daa`ima kana duratti gocha akaakuu akkanaa kan raawwate yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa kudhan hincaalleen ni adabama.
4. Miidhamtichi barataa, barataa barumsaa shaakala ogummaa, hojjettuu/taa manaa balleessichaa, yookiin nama balleessichi guddistummaan guddisu yookiin eegu yookiin akka kunuunsu nama amaanaan itti kenname, yookiin karaa biroo

www.abyssinialaw.com

kamiiniyyuu kallattiin hirkattummaa yookiin to'annaa isaa jalatti nama argamu yoo ta'e:

(a) yakka keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame ilaalchisee, yakkichi nama biroon yeroo raawwatamu irra caalaatti nama akkanaa irratti adabbichi ni cima.

(b) yakka keewwata xiqqaa (2) jlatti ibsame ilaalchisee, adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'u ni ta'a

(c) yakka keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsame ilaalchisee, adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'u ni ta'a.

5. Gochichi miidhamaa irratti miidhaa qaamaa yookiin sammuu cimaa yookiin du'a kan hordofsiise yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa umurii guutuu ni ta'a.

Keewwata 628. Sababoota Biroo Yakkicha Cimsan

Yakki biroon miidhaa dirqisiisanii guddeeduu yookiin saalqunnamtii ilaallatu kamiyyuu yommuu raawwatamu (keewwata 620-627), tumaan rogummaa qabu adabbii olaanaa yoo kaa'e malee hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuun kan adabsiisu:

(a) miidhamtittiin kan ulfoofte yoo ta'e; yookiin

(b) dhukkuba nafsaalaatiin qabamuu isaa osoo beekuu miidhamtuu /miidhamaa/ dhukkubicha kan qabsiise yoo ta'e; yookiin

(c) miidhamtuun /miidhamaan/ gadda cimaa yookiin dhiphina, leeyyoo yookiin abdii kutachuu isarra /ishiirra gaheen kan ka'e of kan ajjeefte /ajjeese yoo ta'edha.

Kutaa Lama

Saalqunnamtii Amala Uumamaaf Faallaa Ta'an

Keewwata 629. Middiisaafi Gochoota Biroo Kabaja Qulqullummaaf Faallaa Ta'an

Namni kamiyyuu nama isa waliin saala walfakkaatu qabu biroo waliin middiisa yookiin gocha biroo kabaja qulqullummaaf yookiin amala gaariif faallaa ta'e kan raawwate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaan ni adabama.

Keewwata 630. Haalawwan Waliigalaa Yakkicha Cimsan

1.Balleessichi:

(a) rakkina maallaqaa yookiin gadda sammuu nama biroo yookiin bulchaa, guddistuu, eegduu, barsiisaa hojjechiisaa, yookiin mindeessaa nama kanaa ta'uun itti gaafatamummaa, aangoo, yookiin dandeettii argate yookiin qunnamtii biroo kana fakkaatu isaan gidduu jirutti garmalee fayyadamuun gocha armaan olitti keewwata 629 jalatti ibsame kan irratti raawwate yookiin namni kun isa waliin gocha akaakuu akkanaa akka raawwatu kan taasise yoo ta'e; yookiin

(b) bu'uura seera kana /keewwata 92/ jalatti ibsameen gochicha ogummaa isaa taasifatee kan qabate yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin haalli ulfaataan yommuu mudatu hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

2. Adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudha shanii gahuu danda'u kan ta'u:

(a) balleessichi humnaan, doorsisaan yookiin dirqisiisuun, dabaan yookiin gowwomsuun kan fayyadame yookiin ofirraa ittisuu dadhabuu, humna dhabuu, yookiin dadhabina /qummuuna/ sammuu yookiin of wallaaluu miidhamtichaatti garmalee kan fayyadame; yookiin

(b) balleessichi miidhamticha (miidhamtittii) kan darare yookiin gocha garajabinaa kan irratti raawwate, yookiin dhukkuba nafsaalaa akka qabu osoo beekuu kan itti dabarse yoo ta'e; yookiin

(c) Miidhamtichi (miidhamtittiin) dhiphina, leeyyoo yookiin abdii kutachuu irraa kan ka'een kan of ajjeese/ste yoo ta'edha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 631. Miidhaa Middiisaafi Gocha Biroo Kabaja Qulqullummaaf Faallaa Ta'e Ijoollee Gaa`ela Hin Geenye Irratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu ijoollee isa waliin saala walfakkaatu qabuufi gaa`ela hin geenye irratti miidhaa middiisaa kan raawwate yoo ta'e;
   (a) umuriin miidhamtichaa waggaa kudha sadii ta'ee waggaa kudha saddeet kan hin guunne yommuu ta'u, hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudha shanii gahuun;
   (b) umuriin miidhamtichaa waggaa kudha sadii gadi yommuu ta'u, hidhaa cimaa waggaa kudha shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuun

   ni adabama.

2. Dubartiin tokko ijoollee durbaa gaa`ela hin geenye irratti miidhaa middiisaa kan raawwatte yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabamti.

3. Namni kamiyyuu ijoollee isa waliin saala walfakkaatu qabuufi gaa`ela hin geenye irratti gocha kabaja qulquullummaaf faallaa ta'e akaakuu biroo kamiiniyyuu kan raawwate yoo ta'e; hidhaa salphaan ni adabama.
4. Miidhamtichi barataa, barataa barumsa shaakala ogummaa, hojjetaa manaa balleessichaa, yookiin ijoollee balleessichi guddistummaan guddisu yookiin ijoollee akka eegu yookiin akka kunuunsu itti kenname, yookiin karaa biroo kamiiniyyuu kallattiin ijoollee hirkattummaa isaa yookiin to'annaa isaa jalatti argamu yoo ta'e:

   (a) tumaa keewwata xiqqaa (1) ilaalchisee, yakkichi nama biroon yommuu raawwatamu irra caalaa nama akkanaa irratti adabbichi ni cima.

   (b) tumaa keewwata xiqqaa (2) ilaalchisee adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'u ni ta'a.

   (c) tumaa keewwata xiqqaa (3) ilaalchisee adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taane ni ta'a.

5. Gochichi miidhamticha irratti du'a yookiin miidhaa cimaa qaamaa yookiin sammuu hordofsiiseera yoo ta'e, yookiin miidhamtichi (miidhamtittiin) dhiphina, leeyyoo

www.abyssinialaw.com

yookiin abdii kutachuu irraa kan ka'een kan of ajjeese/ste yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa umurii guutuu ni ta'a.

Keewwata 632. Hirmaannaa Jaarmiyaan Namummaan Seeraa Kennameef Miidhaa Kabaja Qulqullummaa Sarbuu Ijoollee Gaa`ela Hin Geenye Irratti Raawwatamu Keessatti Qabu

Itti gaafatamaan, hojjetaan, yookiin namni biroo kamiyyuu jaarmiyaa ijoollee gaa`ela hin geenye guddisuuf, barsiisuuf, leenjisuuf yookiin karaa biroo kamiiniyyuu kunuunsuuf hundeeffamee ijoollee jaarmiyaa akaakuu akkanaa keessatti argamu irratti, seera kana keewwata 626-628 fi keewwata 631 jalatti gochoota ibsaman keessaa tokko kan raawwate yoo ta`eefi hojmaanni yookiin bulchiinsi jaarmiyichaa raawwii yakkichaaf haala mijaa'aa kan uume yoo ta'e; yookiin gochichi kan raawwatame jaarmiyichi eegumsa gahaa gochuu dhabuu isaatiin yoo ta'e;

akka akaakuufi cimina yakkichaatti bu'uura seera kana keewwata 90 tiin ni adabama.

Keewwata 633. Saalqunnamtii Beelladoota Irratti Raawwachuu

Namni kamiyyuu beelladoota irratti saalqunnamtii kan raawwate yoo ta'e;

hidhaa salphaan ni adabama.

Kutaa Sadi

Naamusa Badaa Kanneen Birootiin Fayyadamuu

Keewwata 634. Gocha Sagaagalummaa Nama Biroo Itti Fayyadama Yeroo Maraa Taasifachuu

Namni kamiyyuu faayidaa argachuuf jedhee, gocha sagaagalummaa nama biroo itti fayyadama isaa yeroo maraa taasifatee kan qabate, nama biroo gocha sagaagalummaaf kan dhiheesse yookiin walitti fide, mana isaa guutummaan yookiin gartokkeen gocha kanaaf kan oolche, yookiin kan kireesse yookiin karaa

www.abyssinialaw.com

biroo kamiiniyyuu gocha sagaagalummaa nama biroo itti fayyadama yeroo maraa taasifatee kan qabate yoo ta'e;

hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 635. Dubartootaafi Ijoollee Gaa`ela Hin Geenye Sagaagalummaaf Walitti Fiduun Daldaluu

Namni kamiyyuu faayidaaf jedhee yookiin fedhii saalqunnamtii nama biroo guutuuf:

(a) fedhii isaaniitiin ta'uyyuu, dubartoonni yookiin ijoolleen gaa`ela hin geenye sagaagalummaa irratti akka bobba'an kakaasuun, sossobuun, dhiheessuun yookiin tooftaa kamiiniyyuu jajjabeessuun yookiin walitti fiduun kan daldale yookiin iddoo irraa iddootti kan daddabarse; yookiin
(b) nama jedhame sagaagalummaaf dhiyeessuuf mana gumnaa kan kaa'e yoo ta'e; keessumattuu gochi seeraan ala dirqamaan qabanii kaa'uu waliin yommuu raawwatamu raawwatamummaan tumaalee adabbii cimaa akkuma eegametti ta'ee;

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 636. Haalawwan Yakkicha Cimsan

Hojiin namoota sagaagalummaaf dhiyeessuu yookiin iddoo irraa iddootti daddabarsuu ogummaa jedhamee qabatameen:

(a) miidhamtichi gaa`elaaf kan hin geenye yoo ta'e; yookiin
(b) miidhamtichi haadha manaa yookiin toora dhalootaa gadi lakkaa'aman, ijoollee guddifachaa, ijoollee haadha manaa, obboleessa yookiin obboleettii yakkamtichaa, ijoollee inni guddistummaan eegu yookiin sababa kamiiniyyuu akka inni eegu yookiin kunuunsu imaanaan kan itti kenname yoo ta'e; yookiin
(c) yakkamtichi gochicha kan raawwate rakkina maallaqaa yookiin gadda sammuu miidhamtichaa yookiin aangoo eegdummaa, hojjechiistummaa,

www.abyssinialaw.com

barsiisummaa, kireessitummaa yookiin liqeessitummaa yookiin kan kana fakkaatu biroo nama kanarratti qabu sababa taasisuun yoo ta'e; yookiin

(d) yakkamtichi dabaan, gowwomsuun, humnaan, doorsisuun yookiin dirqisiisuun kan fayyadame yookiin aangoo miidhamticharratti qabutti garmalee kan tajaajilame yoo ta'e; yookiin

(e) miidhamtichi walitti fiduu hojii ogummaa isaa taasisee nama qabatetti dabarfamee kan kenname yoo ta'e; yookiin gara biyya alaatti geeffamee yookiin oduun, teessoon yookiin iddoon jireenya isaa beekamuu kan hin dandeenye yoo ta'e; yookiin

(f) miidhamtichi leeyyoon, dhiphinaan yookiin abdii kutachuu irraa kan ka'een of ajjeesuuf kan kaka'e yoo ta'e;

adabbichi hidhaa cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdama hin caalle ni ta'a.

Keewwata 637. Dubartootaafi Ijoollee Gaa`elaa Hin Geenye Sagaagalummaaf Dhiheessuuf Qophiilee Taasifaman

Namni kamiyyuu dubartoota yookiin ijoollee gaa`elaa hin geenye hojii sagaagalummaaf akka oolan dhiyeessuuf yookiin iddoo irraa iddootti daddabarsuuf qophiilee kan taasise yookiin haalawwan kan mijeesse yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin akka haala dubbichaatti, keessumattuu walitti fiduu hojii ogummaa isaa taasisee namni qabate kan hirmaate yoo ta'e, yookiin qophiileen kunneen guutummaan guutuutti kan xumuramaniifi miidhamtoota hedduurratti raawwatamuuf kan karoorfaman yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleefi badichi cimaa yommuu ta'u, adabbii maallaqaa qarshii dhibba shanii gadi hin taaneen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 638. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameefii

Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef yakkoota kutaa kana keessatti tumaman keessatti hirmaataa yoo ta'e; akka akaakuu yakkichaafi akka haala dubbichaatti bu'uura seera kana keewwata 90(3) tiin ni adabama.

Kutaa Afur

Yakkoota Amala Gaarii Irratti Raawwataman

Keewwata 639. Hojii Addaggummaafi Leeyyaasisaa Naamusa Gaariifi Amala Gaariif Faallaa Ta'e Iddoo Ifa Ta'etti Raawwachuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee iddoo ummanni yeroo mara itti argamutti yookiin ummata duratti gocha saalqunnamtii, yookiin amala gaariif yookiin naamusa gaariif daran faallaa ta'e, gocha jibbisiisaa biroo kamiyyuu kan raawwate yookiin sochii qaamaan kan agarsiise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a sadii hanga waggaa tokkoo gahuun, yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

2. Balleessichi gochicha ijoollee gaa`ela hin geenye duratti kan raawwate yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa shanii gahu ni ta'a.

Keewwata 640. Wantoota Jibbisiisaa Yookiin Addaggummaa Yookiin Amala Gaariif Faallaa Ta'an Ummataaf Ibsuu

1. Namni kamiyyuu:
   a) barreeffamoota, fakkiilee, ibsawwan fakkii (poostaroota), fiilmota yookiin wantoota biroo jibbisiisaa yookiin amala gaariif faallaa ta'an kan qopheesse, biyya keessatti kan galche yookiin biyya alaatti kan erge, kan geejjibe, kan fuudhe, kan qabate, ummatatti kan agarsiise, gurgurtaaf yookiin kiraaf kan dhiheesse, kan raabse, kan tamsaase yookiin karaa

www.abyssinialaw.com

biroo kamiiniyyuu iddoo irraa iddootti kan daddabarse yookiin wantoota kanaan kan daldale; yookiin

b) wantoonni kun akkamitti yookiin eenyurraa argamuu yookiin daddarbuu, tamsa'uu akka danda'an mala kamiiniyyuu kallaattiinis ta'e alkallattiin kan beeksise, kan agarsiise yookiin akka beekamu kan taasise;

yoo ta'e, wantoonni ittiin himatame dhaalamuun yookiin akka maqfaman taasifamuun isaanii osoo hin hafiin hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkamtichi:

a) daldala akaakuu akkanaa ogummaa isaa godhatee kan qabate yookiin kan irratti bobba'e;
b) wantoota akkanaa itti yaadee ijoollee gaa`ela hin geenyetti kan agarsiise, kan kenne yookiin dabarsee kan kenne yoo ta'e; yookiin
c) kaayyoo kanaaf jecha ijoolleen gaa`ela hin geenye saalqunnamtii kan raawwatan fakkeessuun kan agarsiise yookiin nafsaalli isaanii akka mul'atu kan taasise yoo ta'e;

adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalle ni ta'a.

Keewwata 641. Wantoota Jibbisiisaa Yookiin Amala Gaariif Faallaa Ta'an Agarsiisuu

Namni kamiyyuu wantoota jibbisiisaa yookiin amala gaariif faallaa ta'an tiyaatiraan, siniimaan, fiilmota socho'aniin, raadiyoon, viidiyoon, televizyiiniin yookiin karaa biroo kamiiniyyuu akka darbu kan gurmeesse, ummata kan dhageessise yookiin akka mul'atu kan taasise yoo ta'e;

adabbiileen keewwata armaan olitiin tumaman isarratti ni raawwatamu.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 642. Hojiilee Hayyamaman

Saalqunnamtii yookiin fedhii saalqunnamtii kakaasuuf kan hin yaadamne, hojiileen amala isaanii hundaan kan ogummaa, kan hogbarruu yookiin saayinsaawaa ta'an akka gochoota jibbisiisaa yookiin amala gaariif faallaa ta'aniitti lakkaa'amuu hin danda'an.

Keewwata 643. Ibsootaafi Beeksisoota Amala Gaariif Faallaa Ta'an

1. Namni kamiyyuu wantoota, oomishoota yookiin hojiilee amala gaariif faallaa yookiin gocha safuun ala ta'an agarsiisa ummataaf kan dhiheesse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a tokkoo gadi hin taaneefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Namni kamiyyuu wantoota kana namoota hin gaafannetti yookiin kanneen irraatti fedhii ogummaa hin qabneetti mala kamiiniyyuu kan erge yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen yookiin hidha salphaan ni adabama.

Keewwata 644. Ijoollee Gaa`ela Hin Geenye Hojiilee Balaarra Buusan Irraa Eeguu

Namni kamiyyuu faayidaaf yookiin miira kakaasuuf jecha:

a) fedhii uumamaa saalqunnamtii ijoollee gaa`ela hin geenyee garmalee kakaasuuf, balleessuuf yookiin dogoggorsuuf yookiin ijoollee gaa`ela hin geenye irratti yaada garajabinaa yookiin ajjeechaa yookiin farra hawaasummaa kan ta'an yookiin jireenya maatii kan jeeqan garmalee kakaasuuf, dadammaqsuuf yookiin uumuuf kan danda'an barreeffamoota, fakkiiwwan yookiin wantoota; foddaa mana daldalaatiin, iddoo agarsiisa mi`a daldalaatti yookiin bakka biroo alaa ummatatti mul'achuu danda'u kamiyyuu kaa'uun viidiyoon yookiin mala biroo kamiiniyyuu akka mul'atu kan taasise yoo ta'e;
b) wantoota, fakkiiwwan yookiin barreeffamoota akkanaa osoo beekuu ijoollee gaa`ela hin geenyeef kan dhiheesse, kan ergise, kan kenne yookiin kan itti gurgure yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

barbaachisaa yommuu ta'u, dhaalamuun mi'ichaa osoo hin hafiin hidhaa salphaa ji'a jahaa hanga waggaa sadii gahuufi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 645. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameefii

Jaarimiyaan namummaan seeraa kennameef yakkoota kutaa kana keessatti tumaman irratti hirmaataa yoo ta'e; akka akaakuu yakkichaafi akka haala dubbichaatti bu'uura seera kana keewwata 90(3) tiin ni adabama.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Firoota Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Yakkoota Sirna Fuudhaafi Heerumaa Irratti Raawwataman

Keewwata 646. Fuudhaafi Heeruma Dabaan Yookiin Gowwomsuun Raawwachuu

1. Namni kamiyyuu fuudhaafi heeruma yommuu raawwatu yookiin raawwachuuf jecha fuudhaafi heerumicha diiguuf yookiin akka hin raggaane taasisuuf kan dandeessisan ijoo dubbii sababoota seeraan tumaman keessaa tokko kan guutu itti yaadee kan fuudhaafi heeruma waliin raawwatu kan dhokse yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa lama hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu itti yaadee eenyummaa isaa ilaalchisee nama biroo dhoksuun, dogoggorsuun, waliin dhahuun yookiin gowwomsuun fuudhaafi heeruma kan raawwate yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma tokko hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 647. Fuudhaafi Heeruma Seeraan Dhorkame Raawwachiisuu Yookiin Raawwachuu

1. Namni kamiyyuu fuudhaafi heeruma seeraan dhorkame itti yaadee kan raawwachiise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen ni adabama.

2. Fuudhaafi heeruma seeraan dhorkame itti yaadee wal fuutota keessaa kan raawwate, namni hayyame yookiin namni fuudhaafi heeruma akaakuu akkanaatiif ragaa ta'e adabbii keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.
3. Gochi keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsame kan raawwatame dagannoon yoo ta'e hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabsiisa.

Keewwata 648. Fuudhaafi Heeruma Umurii Gaa`elaaf Hin Geenyee

namni kamiyyuu seera maatii rogummaa qabuun kan hayyamameen ala itti yaadee ijoollee gaa`ela hin geenye kan fuudhe yoo ta'e:

(a) umuriin miidhamtittii waggaa kudha sadii yookiin isaa ol yommuu ta'u hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen; yookiin
(b) umuriin miidhamtittii waggaa kudha sadii gadi yommuu ta'u hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleen ni adabsiisa.

Keewwata 649. Fuudhaafi Heeruma Seeraan Alaa Raawwachuufi Raawwachiisuun Haala Yakkaan Hin Gaafachiisne

Fuudhaafi heerumichi kan diigame yoo ta'e malee yakka keewwata 646 yookiin 647 jalatti ibsame irratti himannaan dhihaachuu hindanda'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 650. Fuudhaafi Heeruma Irratti Fuudhaafi Heeruma Raawwachuu

1. Namni kamiyyuu fuudhaafi heeruma seeraan ragga'ee duraan jiru osoo qabuu fuudhaafi heerumni kun digamuu yookiin haqamuu isaatiin dura fuudhaafi heeruma biroo kan raawate yoo ta'e;

   hidhaa salphaan; yookiin dubbichi ulfaataa yoommuu ta'u keessumattuu balleessichi haala dhugaa ofiisaa dhoksuun nama fuudhaafi heeruma lammaffaa isa waliin raawwate beekaa kan dogoggorse yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.
2. Namni fuudhaafi heeruma hin raawwanne kamiyyuu namni biroon fuudhaafi heeruma ragga'e qabaachuu isaa osoo beekuu nama kana waliin fuudhaafi heeruma kan raawwate yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.
3. Fuudhaafi heeruma lamaan keessaa tokko hanga diigamutti yookiin haqamutti lakkaa'amuun darbiinsa yeroo himannaa yakkichaa dhorkamee ni tura.

Keewwata 651. Haala Addaa

Fuudhaafi heeruma irratti fuudhaafi heerumni kan raawwatame bu'uura fuudhaafi heeruma seera rogummaa qabuun haala addaatiin sirnoota amantii yookiin aadaa irratti hundaa'anii raawwataman beekamtiin kennameefiin yoo ta'e;

adabbiin armaan olitti ibsame raawwatamaa hin ta'u.

Keewwata 652. Sagaagalummaa

1. Namni bultii qabu tokko fuudhaafi heeruma bu'uura seera hariiroo hawaasaan ragga'e osoo qabuu nama biroo waliin saalqunnamtii kan raawwate yoo ta'e;

   iyyannoo dhuunfaa walfuutota keessaa inni miidhame dhiyeeffatuun, hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

   nama osoo beekuu nama fuudhaafi heeruma seera qabeessa ta'e qabu waliin sagaagalummaa raawwate irrattis adabbiin kun raawwatamaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Iyyataan gochichi sagaagalummaa akka raawwatamu kan kakaase yookiin kan irratti waliigale yookiin dhiifama kan taasiseef yookiin gochuma kana irraa faayidaa kan argate yoo ta'e; namni balleesse yakkaan gaafatamaa hin ta'u.

2. Gochi sagaagalummaa kan raawwatame abbaan warraafi haati warraa sababa lola isaan gidduutti uumameen waliin jiraachuun isaanii waggaa tokkoo ol yeroo ta'uuf hafee yommuu turetti yoo ta'e; manni murtichaa bu'uura keewwata 180 tiin adabbii salphisuufii ni danda'a.
3. Balleessichi osoo wal hin hiikiin yookiin walfuutota keessaa inni tokko dhiisee osoo hin deemiin mana jireenyaa isaa keessa sanyoo kan kaawate yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taane ni ta'a.

Keewwata 653. Du'uu Iyyataa

Miidhamtichi iyyannoo dhuunfaa osoo hin dhiheeffatiin yoo du'e, balleessichi yakkaan hin gaafatamu.

Miidhamtichi iyyannoo dhuunfaa erga dhiheeffatee booda balleessicha irratti himannaan dhihaatee adabbiin hidhaa kan itti murtaa'e yoo ta'e; miidhamtichi yoo du'es yoo du'uu baates haalawwan naannoo, keessumattuu balleessichi itti gaafatamummaa maatii bulchuu yookiin deeggaruu kan qabu ta'uun isaa murtichaaf sababa gahaa ta'ee yoo argame; manni murtichaa sababicha ibsuun adabbichi akka hafuuf ajajuu ni danda'a.

Kutaa Lama

Yakka Saalqunnamtii Firoota Gidduutti Raawwatamu

Keewwata 654. Saalqunnamtii Firoota Gidduutti Raawwatamu

Saalqunnamtiin namoota fuudhaafi heerumni isaanii sababa firooma dhiigaan seera rogummaa qabuun dhorkame gidduutti itti yaadamee raawwatamu; adabbiin mirga maatii irratti qabu mulquu akkuma eegametti ta'ee; akkuma haala dubbichaatti hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa sadii hin caalleen ni adabsiisa.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 655. Gocha Addaggummaa Amala Gaariif Faallaa Ta'e Firoota Gidduutti Raawwatamu

Gochi saalqunnamtii fakkaatu yookiin kabaja qulqullummaaf faallaa ta'e biroon namoota firooma dhiigaa qaban gidduutti raawwatamu hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneen ni adabsiisa.

Kutaa Sadi

Yakkoota Galmee Kabajaa Irrattiifi Dirqamoota Maatii Darbuun Raawwataman

Keewwata 656. Dhalachuu Yookiin Gatamee Argamuu Daa'imaa Beeksisuu Dhabuu

1. Bu'uura seerri ajajuun dhalachuu daa'ima tokkoo namni itti gaafatamaa galmee kabajaatti hin beeksisne kamiyyuu; adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen yookiin hidhaa salphaa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.
2. Namni kamiyyuu daa'ima gatame argee abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e;

   adabbii keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

Keewwata 657. Galmee Kabajaa Sobatti Jijjiiruu, Fakkeessanii Daa'ima Dhiheessuu Yookiin Jijjiiruu

1. Namni kamiyyuu galmee kabajaa nama biroo irratti ijoo dubbii galmaa'uu qabu kamiyyuu kan dhokse yookiin sobatti kan jijjiire, keessumattuu eenyummaa yookiin dhalachuu daa'ima tokkoo ilaalchisee itti yaadee ibsa sobaa kan galmeesse yookiin kan galmeessise yoo ta'e;

   hidhaa salphaan ni adabama.

2. Yakkichi bu'aa ulfaataa dursee beekamuu danda'u ture kan hordofsiise yookiin hordofsiisuu danda'u ta'ee, keessumattuu bu'aa gochi daa'ima wal jala jijjiiranii galmeessisuu hordofsiisu kan ilaallatu yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabsiisa.

Keewwata 658. Dirqama Qallaba Kennuu Raawwachuu Dhabuu

Namni kamiyyuu sababa gahaa malee:

(a) Bu'uura seeraan qallaba kennamuu qabu abbootii mirgaaf, murtiin hiikkaa hanga kennamutti abbaa warraa yookiin haadha warraa gaaffii hiikkaa fuudhaafi heerumaa dhiheesseef ta'ullee, hin kennu kan jedhe yookiin kennuu kan bacancarse yoo ta'e; yookiin

(b) Bu'uura seeraan, yookiin dirqama waliigaltee seeneen dubartii fuudhaafi heerumaan ala ulfeesseef yookiin nama fuudhaafi heerumaan ala saalqunnamtiin isa waliin jiraateef yookiin daa'ima fuudhaafi heerumaan ala dhalateef dirqama maallaqaa guutuu qabu kan hin baane yoo ta'e;

iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

Keewwata 659. Dirqama Ijoollee Guddisuu Raawwachuu Dhabuu

1. Warri yookiin namni biroo aangoo bulchummaa yookiin guddistummaa qabu kamiyyuu faayidaa barbaaduun yookiin dirqama isarra jiru dagachuun:
   (a) ijoollee itti gaafatamummaa isaa jala jiru haala hamaan eeggannoofi kunuunsa gahaa malee kan dhiise yookiin balaa xiinsammuufi qaamaaf kan saaxile yoo ta'e; yookiin
   (b) nama, jaarmiyaa yookiin dhaabbata miidhaa xiinsammuu yookiin qaamaa akka irraan gahu beekuuf yookiin tilmaamuu danda'uuf ijoollee yeroo dheeraaf kan kenne yoo ta'e;

   dubbichi ulfaataa yoo ta'e mirga maatii irraa mulquun akkuma eegametti ta'ee; hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Hamma adabbii darbuunis ta'e miidhuun, miidhaan dursee beekamuu danda'u yookiin karoorfame ijoolleerra kan gahe yoo ta'e; tumaan biroo seera kanaa rogummaa qabu dabalataan raawwatamaa ni ta'a /keewwata66/.

www.abyssinialaw.com

Boqonnaa Sadi

Tumaalee Waliinii

Keewwata 660. Dachaa Ta'uu Yakkootaa

1. Yakkoota sirna fuudhaafi heerumaa irratti raawwataman keessaa tokko /keewwata 648, 649 yookiin 652/ yakka firummaa irratti raawwatamu waliin /keewwata 654/ dachaan raawwatamanii yommuu argaman; tumaaleen lamaanuu walfaana raawwatamoo ni ta'u.
2. Yakkoonni bilisummaa saalqunnamtii irratti raawwataman /keewwata 620 fi 623 hanga 628 fi 639/; yakka firummaa irratti raawwatamu /keewwata 654/ dachaan yommuu argaman tumaaleen rogummaa qaban walfaana raawwatamoo ni ta'u.
3. Yakkoonni kabaja qulqullummaaf faallaa ta'an /keewwata 622 - 631 fi 639/; yakka faallaa amala gaarii firoota gidduutti raawwatamu /keewwata 655/; dachaan yommuu argaman tumaaleen rogummaa qaban walfaana raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 661. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Ijoollee Gaa`ela Hin Geenyee

1. Namni gaa`ela hin geenye miidhaan saalqunnamtii, gochi kabaja qulqullummaaf faallaa ta'e yookiin saalqunnamtii uumamaa hin taane irratti raawwatame yakkichaan gaafatamaa hin ta'u;

   murtiileen guddisa gaariifi eegumsaa barbaachisoo ta'an isarratti raawwatamuu ni dandaa'u.

2. Nama gaa`ela hin geenye namoota biroo irratti yakkicha raawwate, tumaaleen idilee seera kanaa irratti raawwatamoo ni ta'u /keewwata 52-56/.

Kitaaba Jahaffaa

Yakkoota Qabeenya Irratti Raawwataman

Mata Duree Tokko

Yakkoota Mirga Qabeenyaa Irratti Raawwataman

www.abyssinialaw.com

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 662. Qajeeltoo

1. Mirga qabeenyaafi dinagdee yookiin mirga maallaqaatiin shallagamuu danda'amu nama biroo irratti giddugalummaan taasifamu, xiqqaa ta'uu isaa irraa kan ka'een dambii darbuun kan adabsiisu yoo ta'e malee, bu'uura tumaalee armaan gaditti ibsamaniin ni adabsiisa.
2. Qabeenya mootummaa, ummataafi dhuunfaatiif seera kanaan eegumsi ni taasifama.

   Bu'uura seera kanaan mirga qabeenyaa irra miidhaan gaheera kan jedhamu osoo yakkichi raawwatamuu baatee haala qabeenyichi itti argamuu qabu ture kan jijjiiru miidhaan yookiin manca'inni gahee yoo jiraatedha.

Keewwata 663. Tilmaama Karaa Seeraan Ala Ta`een Yookiin Garmaleen Badhaadhuu

1. Raawwataan yakkaa faayidaa seeraan ala ta'e ofiif yookiin nama sadaffaa biroof argamsiisuuf yaadee gochi inni raawwate yakka ta'uun isaa seeraan kan tumame yommuu ta'u gochichi faayidaa hin malle argachuuf kan raawwatamedha jedhamee ni tilmaamama.
2 .Badhaadhinni haala akkanaatiin yaadame yoo argamuu baatellee fedhiifi gochi seeraan ala badhaadhuu walfaana argamuun isaanii yoo mirkanaa'e yakki xumura argate akka raawwatametti ni lakkaa'ama.

   Dhimmi qabeenya haala kanaan fudhatame deebisuu yookiin miidhaa qaqqabeef dursanii beenyaa kaffaluu fedhii raawwatichaatiin kan raawwatame ta'uyyuu yakkicha hin hambisu. Garuu manni murtichaa adabbii murteessuu irratti kana tilmaama keessa galchuu ni danda'a /keewwata 82 (e)/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 664. Miseensota Maatii Gidduutti Yakki Yommuu Raawwatamuu Himannaa Dhihaatu

1. Yakkoota kanneen akka wanbadummaa, butuu, yookiin sodaachisuu fakkaatan humnaan yookiin dirqisiisuun raawwatamaniin ala yakkoonni biroon kan raawwataman:
   (a) warraafi dhalattoota, guddifataafi ijoollee guddifachaa, abbaa warraafi haadha warraa wal hin hiikne, yeroo fuudhaafi heerumaatti abbaa buddeenaafi ijoollee buddeenaa, ijoollee haadhaan yookiin abbaan yookiin lamaaniinuu firooman gidduutti yoo ta'u; yookiin
   (b) firoota mana miidhamtichaa jiraatan gidduutti yoo ta'u;

   himannaan isaa kan ilaalamu iyyannoo dhuunfaa dhiheessuu qofaan ta'a.

2. Miidhamaan dhuunfaa iyyannoo himannaa dhiheessuu dhabuun isaa hirmaattoota yakkaa hidda firoomaa armaan olitti ibsamaniin kan hin hammatamne itti gaafatamummaa jalaa isaan hin baasu /keewwata 41/.

Boqonnaa Lama

Yakkoota Qabeenya Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Yakkoota Qabeenya Socho'aa Irratti Raawwataman

Keewwata 665. Hanna

1. Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun qabeenya nama biroo kan ta'e mi'a socho'aa yookiin mi'a qabeenya hin sochoone irraa adda ba'e kaasee kan fudhate, kallattiin qabeenya isaa kan taasise yookiin alkallattiin qabeenya isaa waliin akka walmaku kan taasise yoo ta'e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Raawwatichi qabeenya hin sochoone irraa mi'a socho'u sana kan addaan baase ofuma isaan yoo ta'eefi gocha kana kan raawwate qabeenya hin sochoone yookiin socho'u irratti miidhaa geessisuun yoo ta'e; tumaaleen keewwata 689 - 691 seera kanaa dabalataan irratti raawwatamoo ni ta'u.
3. Namni kamiyyuu haala salphaan kan hate mi'a nama biroo gatii baay'ee xiqqoo qabu yoo ta'u, bu'uura tumaalee dambii darbuu jalatti tumamaniin ni adabama /keewwata 852 fi 853/.

Keewwata 666. Anniisaa Hatuu

Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun tamsaasa anniisaa qabeenya nama biroo ta'e yookiin sarara nama biroof diriire irraa gaazii, hurka, elektirika yookiin anniisaa akaakuu biroo fudhachuun kan isaa kan taasise yoo ta'e;

akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hincaalleen ni adabama.

Keewwata 667. Mi'oota Qabeenya Waliinii Ta'an Hatuu

1. Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun sababa abbaa qabeenyummaa waliiniitiin, shariikummaan yookiin dhaaltummaan mi'a qabeenya waliinii ta'e kan fudhate yoo ta'e;
iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Qabeenyichi waliinii wanta dhumataa ta'ee himatamtichi kan fudhate gahee isaaf malu kan hin caalle yoo ta'e isa hin adabsiisu.

Keewwata 668. Hanna Namoota Du'an Irratti Raawwatamu

Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun awwaala namoota du'aniirraa yookiin mana awwaalaa keessaa yookiin reeffa awwaalame yookiin hin awwaalamne irraa mi'a kan fudhate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 669. Hanna Cimaa

Akka cimina yakkichaafi akaakuu mi'a hatameetiin, sadarkaa jireenyaafi haala yakkamtichaa, akkasumas akaakuu raawwii hannichaan, haalawwan adabbii cimsan kanneen armaan gaditti tarreeffaman yommuu mudatan adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taane yookiin hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalle kan ta'u;

1. Yakkichi kan isaan ilaallatu:
   (a) mi'i hatame mi'a amantii bakka amantiin itti raawwatamu keessatti argamu yookiin mi'a godambaa keessa kaa'ame, yookiin mi'a gatii qabeessa saayinsaawaa, artii yookiin seena qabeessa gamoo ummataaf banaa ta'e keessa kan kaa'ame yoo ta`e;
   (b) beellada yookiin midhaan eegduu addaa hin qabne yookiin mi'a yookiin meeshaa eegduu addaa hin qabne telekoominkeeshinaaf, anniisa elektirikaaf, bishaaniifi dhangala'aaf yookiin tajaajila jaarmiyaa biroo kamiifuu kan oolu yookiin mi'a yookiin meeshaa akka taa'u yookiin akka ergamu mankuusaaf, jaarmiyaa yookiin mana hojii mootummaa tokkoof keessumattuu mana poostaaf yookiin jaarmiyaa geejjibaaf kan kenname yoo ta'edha.
2. Yakkichi kan raawwate:
   (a) miseensa raayyaa ittisaa ta'ee yakkicha kan raawwate namoota waliin hojjetan yookiin itti gaafatamaa isaa irratti yoo ta'e yookiin mi'i hatame raayyaa kan tajaajilu yookiin akka tajaajilu kan ramadame yommuu ta'u;
   (b) hojjetaa mootummaa yookiin nama hojii daldalaa tokkoofi kan kana fakkaatu hojii addaa raawwatu hojjetaa baankii, abukaattoo, raawwachiisaa waliigaltee, bakka bu'aa aangoon bakka bu'ummaa kennameef yookiin hojii gaggeessaa daldalaa aangoo sababa akkanaan kennameefiin hojjechaa jiru ta'ee gochicha kan raawwate keessumattuu sababa aangoo

www.abyssinialaw.com

kennameefiin qabeenya mootummaa, ummataa yookiin dhuunfaa harka isaa gale irratti yoo ta'e;

(c) abbaa hoteelaa, kireessaa manaa, deddeebisaa mi'aa, hammaala yookiin hojii kana fakkaatu kan hojjetu ta'ee qabeenyi hatame kan maamila isaa yommuu ta'u;

(d) hojjetaa manaa, hojjetaa yookiin shaakalaa hojii ta'ee hojii isaa sababa gochuun bulchaa yookiin hojjechiisaa isaa irratti haala miidhaa qaqqabsiisuun yommuu ta'udha.

3. Raawwatichi:

(a) miseensa garee namoota yookiin qabeenya irratti yakka raawwachuuf hundeeffamee yoo ta'e;

(b) hannicha kan raawwate haala biroo kamiiniyyuu balaafamaa addaa ta'uu isaa agarsiisuun keessumattuu meeshaa waraanaa ittiin miidhu yookiin ofirraa ittisu yookiin meeshaa mana ittiin cabsu qabachuun yoo ta'u yookiin hojjetaa mootummaa of fakkeessuun yommuu ta'u, yookiin halkaniin yookiin dallaa cabsuun, dallaa utaaluun, balbala cabsuun, gidaara uruun yookiin gareen ta'uun yoo ta'e, yookiin haala balaafamaa hin eegamneen jeequmsa ummataa yookiin badiinsa keessumattuu kan akka fincilaa, gubiinsaa, lolaa, danbalii kan kana fakkaatan dawoo godhachuun yoomuu ta'udha.

Keewwata 670. Wanbadummaa

Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle ofii isaaf argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaadee mi'a socho'aa qabeenya nama biroo ta'e fudhachuuf akka isaaf mijaa'uuf yookiin yommuu fudhatuttis ta'e erga fudhatee booda bu'a qabeessummaa mormii isa mudatee hambisuuf jecha, nama biroo irratti gocha humnaa yookiin gocha dhamaasuu cimaa ta'e yookiin doorsisa cimaa kan raawwate yookiin karaa biroo kamiiniyyuu ofirraa ittisuu akka hin dandeenye nama kana kan taasise yommuu ta'u;

hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 671. Wanbadummaa Cimaa

1. Raawwatichi yakka keewwata 670 jalatti ibsame kan raawwate:
   (a) miseensa garee wanbadoota gocha humnaa namoota yookiin qabeenya irratti raawwachuuf hundaa'ee ta'uun yoo ta'e; yookiin
   (b) miidhamtichaan sin ajjeesa jedhee balaa du'aa dhugumatti akka irraan gahu sodaachisuun, keessumattuu meeshaa waraanaan yookiin meeshaa akaakuu biroo balaafamaa addaa ta'een sodaachisuun yookiin haala darara qaqqabsiisuun dhamaasuun yookiin miidhaa qaamaa ulfaataa qaqqabsiisuun yoo ta'e; yookiin
   (c) haala biroo balaafamummaa addaa isaa agarsiisu kamiiniyyuu yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuun ni adabama.

2. Balleessichi yakkicha kan raawwate garee yakka raawwachuuf gurmaa'e waliin ta'uun yookiin meeshaa waraanaa yookiin meeshaa balaafamaa biroo qabachuun, tooftaa tasgabbii ummataa balaa irra buusu yookiin garajabina addaa agarsiisu kan fayyadame, yookiin gochi humnaa raawwatame miidhaa qaamaa dhaabbataa yookiin du'a kan hordofsiise yoo ta'e manni murtichaa hidhaa cimaa umurii guutuu yookiin dubbichi baay'ee ulfaataa yommuu ta'etti murtii du'aa murteessuu ni danda'a.

   Wanbadummaan meeshaa waraanaan amaleeffannaan gareen raawwatamu adabbii du'aa kan hordofsiisu ta'a.

Keewwata 672. Saamicha

Namni kamiyyuu saamicha kan raawwate yoo ta'e; keessumattuu gochichi kan raawwatame:

(a) nyaatawwan, galaawwan, mi'oota, meeshaalee yookiin qabeenyota biroo raabsaman lubbuu ummataaf, dinagdee yookiin guddina biyyaaf faayidaa olaanaa kan kennan irratti yoo ta'e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) balaawwan lafarratti, galaanarratti yookiin qilleensarratti qaqqqaban kan akka balaa konkolaataa, tasa dirqamuun qubachuu xiyyaaraa yookiin dhidhimuu doonii kanneen fakkaatan sababa gochuun yoo ta'e;

akka haala dubbichaatti bu'uura tumaalee wanbadummaa salphaaf yookiin cimaaf tumamaniin ni adabama /keewwata 670 yookiin 671/.

Keewwata 673. Wanbadummaa Galaanarraa

Namni kamiyyuu gocha wanbadummaa galaanarratti kan raawwate yoo ta'e;

akka haala dubbichaatti bu'uura tumaalee armaan olitti wanbadummaa salphaaf yookiin cimaaf tumamaniin ni adabama /keewwata 670 yookiin 671/.

Keewwata 674. Haalawwan Addaa

Walta'iinsaalee addunyaalessaa haala faallessuun yeroo waraanaatti gocha wanbadummaan, saamicha yookiin wanbadummaa galaanarraa kanneen raawwatan bu'uura tumaalee addatti isaan kanaaf tumamaniin ni adabamu /keewwata 273/.

Keewwata 675. Imaanaa Hir'isuu

1. Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun wanta gatii qabu yookiin maallaqa callaa kan nama biroo ta'eefi tajaajila murtaa'e tokkoof yookiin imaanaan isatti kenname guutummaan yookiin gartokkeen ofii isaaf kan taasise yookiin nama biroof kan taasise, kan fudhate, kan fudhachiise, kan dhokse yookiin tajaajila ofii isaatiif yookiin nama biroof kan oolche yookiin gochawwan kana fakkaatan kamiiniyyuu kan raawwate yoo ta'e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaan yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Himatamtichi maallaqa yookiin mi'a yookiin wanta gatii qabu kan imaanaan itti kenname akka gurguru, yookiin akka bitu yookiin akka jijjiiru yookiin tajaajila

www.abyssinialaw.com

murtaa'eef akka oolchu bu'uura jedhameen raawwatee bakka sanaa maallaqni, miini, yookiin wanti gatii qabu inni argate kan nama biroo akka ta'etti ni lakkaa'ama.

3. Himatamtichi yommuu gaafatamu mi'a yookiin maallaqa callaa imaanaan yookiin hadaraan itti kenname deebisuuf yookiin kaffaluuf yookiin haala mi'ichi itti jiru agarsiisuuf yookiin tajaajila maluuf kan oolche ta'uu isaa hubachiisuu kan hin dandeenye yoo ta'e qabeenyicha faayidaa hin malle, ofiif yookiin nama biroof oolchuuf yaada akka qabutti ni lakkaa'ama.

Keewwata 676. Imaanaa Hir'isuu Cimaa

1. Yakkichi kan raawwatame qabeenya mootummaa yookiin jaarmiyaa ummataa irratti yoo ta'e yookiin yakkicha kan raawwate abbaa taayitaa yookiin muudamaa mootummaa yookiin imaanaan kan itti kenname yookiin filatamaa ummataa yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamii shanii gahuufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalle ni ta'a.

2. Yakkichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleen kan adabsiisu:
   (a) yakkicha kan raawwate guddistuu yookiin eegduu qabeenyaa, qulqulleessaa herreegaa, gorsaa seeraa yookiin herreegaa, bakka bu'aa, abukaattoo, bulchaa qabeenyaa yookiin sababa hojii isaatiin yookiin itti gafatamummaa isaaf kennameen qabeenyichi kan harka isaa gale, nama biroo kamiyyuu yoo ta'e; yookiin
   (b) himatamtichi sanada imaanaan fuudhe irratti dirqama isa itti kenne abbaa idaa taasisu fakkeessee barreessuun yookiin sanada maallaqni ittiin fuudhamu fakkeessuun yookiin gocha akaakuu biroo kamiyyuu qabeenya mallatteessaa irratti miidhaa qaqqabsiisuun kan hojjete yoo ta'e; yookiin
   (c) yakkicha kan raawwate nama maallaqa walitti qabuuf ummataaf waamicha taasisu ta'ee, faayidaa ofiif yookiin waldaa daldalaa tokkoof yookiin baankiif

www.abyssinialaw.com

yookiin jaarmiyaa biroof jecha nama maallaqa yookiin wantoota gatii qaban walitti qabu yoo ta'edha.

Keewwata 677. Seeraan Ala Qabeenya Mootummaa Yookiin Ummataatti Tajaajilamuu Yookiin Qisaasuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee faayidaa hin malle ofiif argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf osoo hin ta'iin:

   (a) seeraan ala qabeenya mootummaa yookiin ummataatti kan tajaajilame, kan ergise, kan gurgure, kan biroof kan dabarse, kan jijjiire yookiin wabummaan kan qabsiise; yookiin

   (b) qabeenya mootummaa yookiin ummataa kamiyyuu imaanaan itti kennaman yookiin itti dabarfaman yookiin sababa hojii yookiin aangoo isaan irratti ajajuu yookiin isaan argachuu kan danda'u dabarsee kan kenne, kan gate, miidhaan akka isaan irra gahu kan taasise, kan qisaase yookiin kan mancaase;

   yoo ta'e, akka ulfina dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Gochichi dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalle ni ta'a.

Keewwata 678. Seeraan Ala Qabeenya Nama Birootti Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu seeraan ala ofiisaa yookiin nama biroo duroomsuuf yaaduun osoo hin ta`iin abbaan qabeenyichaa mirga isaatti akka hin fayyadamne taasisuuf, gowwomsuuf yookiin ofiisaaf yookiin nama biroof yeroof akka fayyadu taasisuuf qabeenya nama biroo kan fudhate yoo ta'e;

iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa slphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 679. Argatanii Dhoksuu

Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle ofiif argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun:

(a) qabeenya nama biroo ta'ee dogoggoraan, mudannoo tasaa hin yaadamneen, humna amala uumama isaatiin dhufe kan akka danbalii bishaaniifi qilleensaa yookiin haala akaakuu biroo fedhii abba qabeenyichaan ala ta'e kamiiniyyuu wanta /mi'a/ harka abbaa qabeenyaatii bahee harka isaatti argamu ofiif yookiin nama biroof kan taasise yoo ta'e; yookiin

(b) beellada qabeenyummaan isaa kan nama biroo ta'e sababa baqatee bira dhaqeen harka isaa wan galeef kan ofiisaa kan taasise yoo ta'e;

iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 680. Qabeenya Badee Argame Kan Ofii Taasisuu

1. Namni kamiyyuu qabeenya bade tokko argatee kanuma abbaa taayitaatti osoo hin beeksisiin yookiin abbaa qabeenyichaa beekuuf wanta barbaachisu hunda osoo hin taasisiin qabeenyicha kan ofii kan taasise yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen yookiin akka ulfaatina dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

2. Akkasumas maallaqa yookiin qabeenya dhokfame yookiin awwaalame argatee bu'uura seeraan mootummaaf galii akka ta'u beeksisa barbaachisaa ta'e osoo hin kenniin yookiin qabeenya mi'ichi yookiin maallaqichi irraa argameef nama abbaa qabeenyaa ta'eef qooda gahee kennamuu qabu osoo hin kenniin qabeenyicha kan ofiisaa kan taasise yoo ta'e; bu'uura armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 681. Mi'a Abbaa Hin Qabne Yookiin Qabeenya Uumamaa Fudhachuu

1. Wantoota abbaa hin qabne, dhimma abbaa qabeenyummaa qabeenya uumamaa ilaallatu akkasumas dhimmi bineeldota bilisaan jiran qabeenya nama kamiyyuu hin taane lafarratti, qilleensarratti yookiin galaana keessatti argaman qabuun tumaalee seera hariiroo hawaasaafi mootummaa dhimma kana ilaallataniin kan qajeelfaman ta'a /keewwata 353,849,850/.
2. Mi'oota seena qabeessa arki'oolojikaalaa yookiin artii qabeenyummaan isaanii kan mootummaa ta'een haala hin malleen badhaadhuuf karoorfachuun mi'oota kana ofiif taasisuun yookiin imaanaa hir'isuun, akka akaakuu yakkichaatti tumaalee waa'ee hannaa yookiin imaanaa hir'isuu ilaallataniin kan adabsiisu ni ta'a.

Keewwata 682. Dhoksuu

1. Namni kamiyyuu mi'ichi kan argame sababa yakka qabeenya tokko irratti raawwatameen ta'uu isaa osoo beekuu mi'a kana bituunis ta'e, ergisaan, kennaan, qabsiisaan kan fuudhe yookiin haala kana fakkaatu biroo kamiiniyyuu kan fudhate, kan itti tajaajilame, kan kaa'e yookiin kan dhokse, dabarsee kan gurgure yookiin walta'iinsa gurgurtaafi jijjiirraa keessatti wal qunnamsiisaa ta'ee kan gargaare yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin dubbichi ulfaataa yommuu ta'u, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Bu'aa gochi yakkichaa argamsiiseen kan dhufe ta'uu isaa osoo beekuu bakka mi'a gocha yakkaa kanaan argamee, wanta akaakuu biroo yookiin maallaqa callaa jijjiirraan argame yookiiin gatii itti gurgurameen kan bitame fuudhee akaakuu armaan olitti ibsameen itti yaadee namni dhokse bu'uura keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.
3. Gochi keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti ibsame dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabsiisa.
4. Adabbiin himatamticha irratti murtaa'u nama jalqaba yakkicha raawwate irratti adabbii murtaa'u waliin walitti dhufeenya kan hin qabnedha.

www.abyssinialaw.com

5. Raawwataa yakkaa muummeen sababa firoomaan akka hin himatamne (keewwata 664) yookiin sababa walitti dhufeenya jaalala hiriyyummaan adabbichi akka salphatuuf /keewwata 83/ tumaaleen tumaman nama mi'a dhokse irratti raawwatiinsa hin qaban.

Keewwata 683. Yakka Dhoksuu Cimaa

Adabbiin bilisummaa dhuunfaa dhabsiisuu hanga hidhaa cimaa waggaa kudha shaniifi adabbiin maallaqaas hanga qarshii kuma digdamaa gahuu kan danda'u himatamtichi:

(a) miseensummaa garee namoota yookiin qabeenya irratti yakka raawwachuuf hundeeffameen yakkicha kan raawwate yoo ta'e; yookiin
(b) hayyama hojii yookiin daldalaa kennameef qabeenya yakkaan argame dhokusuuf kan itti tajaajilame yoo ta'e; yookiin
(c) qabeenya kana kan dhokse bu'aa wanbadummaa, saamichaa, wanbadummaa galaanarraa, butannaa, sodaachisuu ta'uu isaa yookiin mi'ichi kan argame qabeenya raayyaa ittisaarraa yookiin walumaagalatti qabeenya mootummaa keessaa ta'uu isaa osoo beekuu yoo ta'edha.

Keewwata 684. Maallaqa Yookiin Qabeenya Gocha Yakkaan Argame Seera Qabeessa Fakkeessanii Dhiheessuufi Yakkicha Gargaaruu

1. Namni kamiyyuu malaammaltummaan, naannessa baala sammuu adoochuun yookiin qorichaan, daldala meeshaa waraanaa seeraa alaatiin yookiin seera kana keewwata 243(2)(3), 262(1)(2),455 (2),506 (3) (4), 507 hanga 509,510 (2), 511 (2) (3) (5) yookiin 512 keessatti yakka ibsameen yookiin yakka cimaa wal fakkaataa kamiiniyyuu maallaqa yookiin qabeenya argate seeraan ala argamuu isaa dhoksee faayidaa yookiin hojiirra oolchuun, naanneessuun yookiin daddabarsuun seera qabeessa fakkeessee kan dhiheesse yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudha shanii gahuufi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen ni adabama.
2. Namni kamiyyuu gochoota yakkaa keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsaman keessaa isa tokkoon kan argame ta'uu isaa osoo beekuu maallaqa yookiin qabeenya seeraa

www.abyssinialaw.com

ala ta'e kan jijjiire, kan dabarse, kan fuudhe, qabatee kan argame yookiin maallaqa yookiin qabeenya kanatti kan fayyadame yoo ta'e;

adabbii armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

3. Namni kamiyyuu yakki armaan olitti keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti ibsame raawwatamuu isaa osoo beekuu yookiin beekuuf kan isa dandeessisu sababa gahaa osoo qabuu abbaa taayitaa dhimmi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabama.

4. Namni kamiyyuu yakka armaan olitti keewwata xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsame ilaalchisee poolisiin hordofaa jiraachuu isaa yookiin yeroo dhihootti hordoffii kan taasisu ta'uu isaa, eeruun dhihaachuu isaa, yookiin bu'uura dambii keessootiin dhimmichi hojjetaa isa ilaallatutti kan darbe ta'uusaa beekee yookiin shakkee nama yakkichaan shakkametti yookiin nama birootti odeeffannoo kan kenne yookiin oduu kan dabarse yoo ta'e,

   hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen ni adabama.

5. Namni kamiyyuu yakka armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen bu'aa yakkaan argame ta'uusaa osoo beekuu nama yakkicha raawwatu gargaaruuf yookiin madda seeraa alaa qabeenyichi irraa argame dhoksuuf yookiin miliqsuuf yaaduun qabeenyichi seera qabeessa akka ta'u kan taasise yookiin bakka tokkorraa bakka birootti kan naannesse yoo ta'e; yookiin amala dhugaa isaa, madda isaa, iddoo inni itti argamu, bittaafi gurgurtaa isaa, sochii isaa yookiin mirga qabeenyicharraa maddu akka hin beekamne kan taasise yookiin kan miliqse yoo ta'e; adabbii armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.
6. Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef yakkoota armaan olitti ibsaman keessaa tokkorratti hirmaataa yoo ta'u, adabbichi kan irratti murtaa'u bu'uura seera kana keewwata 90 jalatti tumameen ta'a.
7. Bu'uura keewwata kanaan yakka cimaa jechuun:

www.abyssinialaw.com

(a) yakkichi hidhaa cimaa waggaa kudhan yookiin isaa ol adabsiisuu kan danda'u yoo ta'u; yookiin

(b) sababa yakkichaan hammi maallaqaa yookiin gatiin qabeenyichaa argame yoo xiqqaate kuma shantama yoo ta'edha.

Kutaa Lama

Yakkoota Qabeenya Hin Sochoone Irratti Raawwataman

Keewwata 685. Hoomaa Beelladaan Qabeenya Nama Biroorratti Miidhaa Geessisuu

1. Namni kamiyyuu mirga osoo hin qabaatiin itti yaadee marga, kaloo lafa nama biroo irratti argamu bakka qonnaas ta'e bosonaa, iddoo biqiltootaas ta'e qabiyyee lafa isaa haala biroo kamiyyuu irratti argamu irratti hoomaa beelladaa bobbaasee kan dheechise, bakka kanaatti kan geesse yookiin akka naanna'an kan gadhiise yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen yookiin hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabama.

2. Haalawwan isaa yommuu salphaa ta'anitti keessumattuu sirriitti eeguu dhabuun yoo ta'e tumaaleen dambii darbuu raawwatamoo ni ta'u /keewwata 851(b)/.

Keewwata 686. Jeequmsa Qabeenya Namaarratti Raawwachuu

1. Namni kamiyyuu mirga osoo hin qabaatiin faayidaa argachuuf jecha:

   (a) lafa yookiin gamoo qabiyyee nama biroo ta'e kan weerare yookiin kan qabate yoo ta'e; yookiin

   (b) haala biroo kamiiniyyuu lafa qabiyyee nama biroo ta'e irratti jeequmsa kan raawwate yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2.Gochi jeequmsaa kan raawwatame gocha humnaan, doorsisaan yookiin tumsa namoota baay'een yookiin nama meeshaa balaafamaa qabateen yoo ta'e; himannaa yakkaa dhiheessuun hidhaa cimaa hanga waggaa shanii gahuun ni adabsiisa.

Keewwata 687. Miidhaa Qabiyyee Namaarratti Geessisuu

Namni kamiyyuu mirga osoo hin qabaatiin faayidaa argachuuf yookiin argachiisuuf yaaduun:

(a) haala qabeenya hin sochoone yookiin kana waliin kan walqabatan qabeenyota socho'an kan nama biroo kan jijjiire yoo ta'e; yookiin

(b) yaa'iinsa bishaanii kan dhuunfaa yookiin ummataa kan jijjiire yoo ta'e;

yoo xiqqaatee hidhaa salphaa ji'a sadiifi adabbii maallaqaatiin yookiin akka haala dubbichaatti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 688. Mallattoolee Daangaa Bakka Isaaniirraa Jijjiiruufi Balleessuu

1. Namni kamiyyuu mirga osoo hin qabaatiin mirga qabeenyaa nama biroo irratti miidhaa qaqqabsiisuuf, yookiin faayidaa hin malle ofiisaaf argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun, daangaa lafaa nama biroo adda baasuuf mallattoo dhaabame yookiin mallattoo kana fakkaatu bakka isaarraa kan kaase, kan jijjiire yookiin bakka sobaa kan dhaabe, sobatti kan jijjiire; yookiin mallattichi akka hin beekamne kan balleesse yoo ta'e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Gochichi kan raawwatame yaada armaan olitti ibsameen kan hin taane yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalle yookiin adabbii maallaqaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Kutaa Sadi

Miidhaa Qabeenya Nama Biroorratti Geessisuu

Keewwata 689. Tumaalee Waliigalaa

Namni kamiyyuu itti yaadee qabeenya nama biroo kan ta'e mi'a, meeshaa, beellada, muka, (biqiltoota), midhaan, oomisha qonnaa, bosona, mana, hojiilee gamoo yookiin wantoota kamiyyuu yookiin lafa qabiyyee isaa jala jiru kan diige yookiin gatii kan dhabsiise yookiin akka hin tajaajille kan taasise yoo ta'e; tumaan keewwata 685 jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee;

iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 690. Haala Ulfaataa

1. Yakkichi himannaa yakkaa dhiheessuun hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaatiin adabsiisuu kan danda'u:
   (a) yakkamtichi yaada jibbaa yookiin miidhaa geessissuu qabuun miidhaa cimaa kan geessise yoo ta'e yookiin yaada addaa kan hin qabne yoo ta'ellee gochichi miidhaa daran olaanaa ta'e kan geessise yoo ta'e; yookiin
   (b) yakkichi kan raawwatame doorsisaan, humnaan yookiin namoota baay'een keessumaattuu jeequmsa, fincilli hojii cufuu yookiin dhaabuu yommuu uumamu hojjettootaan yookkiin hojjechiistotaan yoo ta'edha.
2. Qabeenyi raawwatichi barbadeesse yookiin miidhaa olaanaa irraan gahe mi'a waaqeffannaa, mi'a seena qabeessa, saayinsaawaa yookiin artii ta'ee gatii olaanaa kan qabu yookiin kan ummataa kan ta'eefi eegumsa ummataatti amanuun eegduu malee kan jiraatu gamoo, siidaa, bakka seena qabeessa ta'e yookiin tajaajila ummataaf, faayidaa biyyaaf barbaachisaa ta'ee dhaabbata meeshaa hundeeffame, sarara bilbilaa yookiin humna ibsaa yookiin qonnaa yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalle yookiin dubbichi baay'ee ulfaataa yommuu ta'etti hidhaa cimaa waggaa kudhanii hanga waggaa digdamaa gahuu danda'u ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

3. Yakkichi kan raawwatame nama ajjeesuuf, qaama isaa irratti miidhaa geessisuuf yookiin qabanii tursiisuuf sodaachisuun yookiin mootummaan, qaamni namummaan seeraa kenneef, gareen yokiin namni dhuunfaa wanta tokko akka raawwatu yookiin raawwachuu irraa akka of qusatu dirqisiisuuf yaadamee yommuu ta'etti;

   adabbiin armaan olitti keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 691. Tooftaawwan Ulfaatoo

Raawwatichi qabeenya nama biroo diiguuf, miidhuuf, gatii dhabsiisuuf yookiin tajaajilaan ala akka ta'u taasisuuf, tasgabbii ummataa irratti balaa kan qaqqabsiisan kan akka jigoo, lolaa, dhohiinsa, yookiin gubiinsa wanta fakkaatuun kan tajaajilame yoo ta'e; dhimmoota kanaaf adabbii cimaa murteessuuf keewwattoonni tumaman dabalataan raawwatamoo ni ta'u /keewwata 66/.

Boqonnaa Sadi

Yakkoota Mirga Qabeenyaa Irratti Raawwtaman

Kutaa Tokko

Yakkoota Gowwomsuu Of Keessaa Qaban

Keewwata 692. Gowwomsummaa

1. Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle ofiif argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun wantoota dogoggrsaa ta'an dubbachuun, eenyummaa yookiin haala ofii dhoksuun yookiin wanta ibsuu qabu dhoksuun yookiin amantaa yookiin tilmaama dogoggoraa nama birootti fayyadamuun, gochuunis ta'e gochuu dhabuun nama biroo gowwomsee gocha faayidaa qabeenyaa isaa yookiin garee sadaffaa miidhu akka raawwatu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin akka ulfaatina dubbichaatti hidhaa cimaa hanga waggaa shanii hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Hojmaata tajaajila nama biroo saragummaan argachuuf fakkaatu ta`ee, faayidaa hin malle argachuuf nama gocha gowwomsuu salphaa raawwate irratti adabbiin tumaalee dambii darbuu ni raawwatama /keewwata 858 fi 859/.

Keewwata 693. Maallaqa Irratti Ajaju Osoo Hin Qabaatiin Cheekii Baasuu

1. Namni kamiyyuu yeroo cheekiin ba'utti yookiin baankiif dhihaatutti maallaqni gahaan inni irratti ajaju kan hin jirree ta'uu isaa osoo beekuu cheekii kan baase /kan kenne/yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin akka ulfaatina dubbichaatti hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Gochichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen ni adabsiisa.

Keewwata 694. Haala Waliin Dhahameen Daldala Gabaa Aksiyoonaa Adeemsisuu

Namni kamiyyuu sababa gabaa aksiyoonaan yookiin gabaa biroon aksiyoona yookiin gatii gabaa aksiyoonaa ilaalchisee daldalli aksiyoonota ummataa akka jiru kan fakkeessu haala sobaa yookiin dogoggorsaa uumuuf yaaduun:

(a) daldala aksiyoonaa abbummaa aksiyoonaa irratti jijjiirama fayyadu kamiyyuu kan hin finne kan adeemsise yoo ta'e; yookiin
(b) walitti dhiheenya hammaa, yeroofi gatiin aksiyoonotaa gaafataman nama sanaan yookiin nama biroon akka bitaman yookiin namuma sanaaf yookiin nama biroof gaaffiin bittaa akka dhihaate yookiin akka dhihaatu osoo beekuu aksiyoonota sana bituuf gaaffii kan dhiheesse yoo ta'e; yookiin
(c) walitti dhiheenya hammaa, yeroofi gatii aksiyoonotaa gaafataman namuma sanaan yookiin nama biroon akka gurguraman yookiin namuma sanaaf yookiin nama biroof gaaffiin gurgurtaa akka dhihaate yookiin akka dhihaatu osoo beekuu aksiyoonota sana gurguruuf gaaffii kan dhiheesse yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 695. Aksiyoonotaan Yookiin Meeshaalee Daldalaan Tirgaa Taphachuu

Namni kamiyyuu biyya keessattis ta'e biyya alaatti kubbaaniyoota yookiin aksiyoonota jaarmiyaalee daldalaa biroo yookiin mi'oota yookiin meeshaalee daldalaa kamiyyuu kan galma'an yookiin kan hin galmoofne gatiin isaanii ol ka'uufi gadi bu'uu sababa godhachuun galii yookiin bu'aa argachuuf yaaduun aksiyoonota yookiin mi'oota yookiin meeshaalee daldalaa sana ofiif taasisuuf yaada dhugaa osoo hin qabaatiin wantoota kana kan gurguru yookiin kan bitu fakkeessuun barreeffamaanis ta'e jechaan waliigaltee akaakuu kamiyyuu kan qopheesse yookiin kan mallatteesse yoo ta'e;

hidhaa salphaan yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 696. Gowwomsummaa cimaa

Yakki gowwomsummaa cimaan hidhaa cimaa waggaa kudha shan hin caalleefi adabbii maallaqaa hanga qarshii kuma shantamaa hin caalleen kan adabsiisu:

(a) balleessichi bu'uura keewwata 676 (1) fi (2) (a) jalatti ibsameen sadarkaa hojii yookiin itti gaafatamummaa amantaan irratti gatamu irratti kan argamu yoo ta'e; yookiin

(b) raawwatichi aksiyoona, sanada idaa, sanada boondii yookiin wabummaa kamiyyuu kan waldaa, kan baankii, kan daldalaa, kan gabaa aksiyoonaa yookiin kan mana hojii industirii baasuun ummatarraa maallaqa walitti qabuuf waamicha kan taasise, yookiin ofiisaaf yookiin jaarmiyaasaaf yookiin jaarmiyaa raawwatichi abbaa gahee aksiyoonaa itti ta'eetti kan gurgure yoo ta'e; yookiin

(c) yakkichi kan raawwatame bulchiinsa yookiin tajaajila ummataarratti yoo ta'edha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 697. Yakkoota Biroo

Yakkoota armaan olitti ibsaman malee aksiyoonota, sanadoota mi'aa, boondota yookiin sanadoota wabummaa kamiyyuu ilaalchisee labsiiwwan yookiin dambiilee bahan irrtti yakki tumame yoo jiraate tumaan biroo faallaa ta'e yoo jiraate malee;

hidhaa salphaan, yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa shan hin calleen ni adabsiisa.

Keewwata 698. Gocha Gowwomsummaa Inshuraansii Ilaalchisee Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu badhaadhina hin malle ofiif argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaaduun:
   (a) balaa inshuraansiin galameef uumuun; yookiin
   (b) faayidaa waliigalticha keessatti ibsame irratti haala dhiibbaa uumuun hamma maallaqa inshuraansichaa, bara waliigaltichaa, yookiin ijoo dubbii fayyadamtoota inshuraansii ilaallatu dhoksuun, dogoggorsuun, mirkaneessuun yookiin kanuma kan ilaallatu ibsa sobaa kennuun waldaa inshuraansii tokko kan gowwomse yoo ta'e; yookiin
   (c) karaa biroo kamiiniyyuu sochii inshuraansii waliin wal qabateen gocha gowwomsummaa kan raawwate yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin haalawwan isaa kessumattuu ulfaatoo yoo ta'an, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.

2. Yakkicha kan raawwate jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef yoo ta'e bu'uura seera kana keewwata 90 tiin ni adabama.

Keewwata 699. Sanada Sobaatiin Gowwomsuu

Gochi gowwomsuu akaakuu kamiyyuu kan raawwatame sanada sobatti jijjirameen yoo ta'e, tumaaleen rogummaa qaban dabalataan raawwatamoo ni ta'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 700. Amantaa Ummataatti Fayyadamuun Gowwomsuu

1. Namni kamiyyuu ofiif badhaadhina argachuuf yaadee afuuran siif waama, jinniin siif haarkisa, mora /falfala/ sirraa kuffisa, tolchaan siif hojjedha, hiree keen sitti hima, dhimma keen siif ibsa, urjiin siif lakkaa`a, abjuu keen siif hiika, hiree kee fuulduraan siif beeka, barruu harkaa keen siif dubbisa, ekeraan siif dubbisa jechuun, yookiin amantaa namaatti seeraan ala tajaajilamuu kan dandeessisu karaa biroo kamiiniyyuu nama biroo kan gowwomse yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu haalli raawwii isaa tumaalee dambii darbuun kan isa adabsiisu yoo ta'e malee /keewwata 861/adabbii maallaqaatiin yookiin yakka irradeddeebi'ame yommuu raawwatetti, hidhaa salphaan yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Gochi gowwomsummaa kan raawwatame akaakuu keewwata 692 jalatti ibsameen yoo ta'e, adabbiin keewwata tuqame kanaan tumamee raawwtamaa ni ta'a.

Keewwata 701. Gochoota Gowwomsuu Biroo

1. Namni kamiyyuu dhukkuba yookiin hir'ina cimaan qaba yookiin miidhaa qaamaa yookiin xiinsammuu olaanaa yookiin kasaaraa maallaqaa yookiin wantoota qabatamaa birootu narra gahe jechuun, haasawaa sobaa taasisuun tooftaa gowwomsuu miira gaddaa namootaa harkisu biroo kamiyyuu fayyadamuun nama dhuunfaa yookiin ummatarraa maallaqa yookiin wantoota qabatamaa biroo kan walitti qabe yoo ta'e;

   akka haala dubbichaatti hidhaa salphaafi adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caallee fi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Namni kamiyyuu rakkoolee armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman keessaa tokko nama biroorra kan gahe fakkeessee nama jedhame ummataaf dhiheessuun kadhaaf kan itti fayyadame yoo ta'eefi namuma kana gargaaruuf jechuun nama dhuunfaa yookiin ummatarraa maallaqa yookiin wantoota biroo kan walitti qabe yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

adabbii armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.

3. Namni kamiyyuu nama biroorratti miidhaa geessisuun kaayyoo armaan olitti keewwata xiqqaa (2) jalatti ibsame kan fayyadame yoo ta'e;

   hidha cimaa waggaa sadii hanga waggaa kudhanii gahuu danda'uufi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

   Tumaaleen waa'ee miidhaa namarra geessisuu ilaallatan (keewwata 548 fi 549) dabalataan raawwatamoo akka hin taane tumaan keewwata xiqqaa kanaa hin dhorku.
4. Namni kamiyyuu dhimmoota siyaasaa, amantaa, aadaa, hawaasummaa, namoomaa yookiin kaayyoo biroo kamiyyuu sababa godhachuun seeraan yookiin abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatuun hayyamameefis ta'e osoo hin hayyamamiiniif nama dhuunfaa yookiin ummatarraa maallaqa yookiin wanta qabatamaa biroo kamiyyuu walitti qabee, maallaqa yookiin wanta kana guutummaan yookiin gartokkeen kaayyoo walitti qabeef ala seeraan ala kan oolche yoo ta'e;
   maallaqa seeraan ala walitti qabuu kan ilaallatu tumaan keewwata 862 seera yakkaa kanaa akkuma eegametti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma soddoma hin caalleen ni adabama.
5. Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef yakkoota keewwata kana keewwata xiqqaa (2), (3) yookiin (4) jalatti ibsaman keessaa tokkotti hirmaataa yoo ta'e, bu'uura seera kana keewwata 90 tiin ni adbama.

Keewwata 702. Miidhaa Bulchiinsa Hojii Faayidaa Nama Biroorratti Raawwatamu

1. Namni kamiyyuu dirqama seeraan yookiin waliigalteen faayidaa qabeenya nama biroo akka eegu yookiin hojicha akka gaggeessu imaanaa dirqama seeraa yookiin waliigaltee fudhatee, itti gaafatamummaa kennameefitti seeraan ala fayyadamuun yookiin dirqama irra jiru raawwachuu dhabuun faayidaa qabeenya eeguu irratti yookiin jaarmiyaa keessatti hojjetuuf tajaajila raawwatu irratti itti yaadee miidhaan akka irra gahu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Gochichi dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabsiisa.
3. Himatamtichi yakkicha kan raawwate faayidaa qabeenyaa ofiif argachuuf yookiin nama biroof argamsiisuuf yaadee yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hintaane ta'ee, adabbiin maallaqaa qarshii kuma soddoma hin caalle dabalataan irratti ni murtaa'a.

Keewwata 703. Haala ulfaataa

1. Yakkichi kan raawwatame:
   (a) guddistuu, abukaattoo, raawwataa waliigaltee, hojjetaa baankii, bulchaa qabeenyaa yookiin qulqulleessaa herreegaa yookiin nama biroo muudamaan aangoo argate yookiin imaanaan addaa irra jiru aangoo kennameefiin hojiisaa raawwachaa jiru yookiin addatti amanamummaan kennameef kamiyyuu yoo ta'e yookiin nama biroo itti gafatamummaan akaakuu akkanaa fakkaatu kennameef kamiyyuu yoo ta'e; yookiin
   (b) qabeenya mootummaa yookiin ummataa irratti yoo ta'e;

   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabsiisa.

2. Raawwatichi bu'uura itti gaafatamummaa yookiin hojii kennameefiin raawwachuu kan qabu akka hin raawwanne yookiin raawwachuu kan hin qabne akka raawwatu nama biroorraa faayidaa akaakuu kamiiniyyuu kan gaafate yookiin kan fudhate yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa torba hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdama hin caalleen ni dabama.

   Dubbichi ulfaataa yoo ta'u, hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneefi adabbii maallaqaa qarshii kuma dhibba tokko hin caalleen ni adabama.
3. Raawwatichi bu'uura itti gaafatamummaa yookiin hojii kennameefiin raawwachuu kan qabu raawwachuuf yoo jedhu yookiin erga raawwatee booda faayidaan akka kennamuuf kan gaafate, kan argate yookiin abbaa dhimmaarraa jecha abdii kan fudhate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

akka haala dubbichaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalleen ni adabama.

4. Hojjetaan yookiin muudamaan mootummaa faayidaa mootummaarratti kan raawwatu gaggeessummaa hojii dabaa, matta`aa yookiin faayidaa hin malle fudhachuu tumaaleen ilaallatan akkuma eegamanittidha /keewwata 409,410 fi 412/.

Keewwata 704. Faayidaa Argatta Jechuun Nama Biroo Sossobuun Kakaasuu

1. Namni kamiyyuu faayidaa qabeenyaa ofiif argachuuf yookiin nama biroof argmsiisuuf yaaduun dadhabina yaadaa miidhamtichaa ifa ta'e, amantaa isarratti gate yookiin hojii daldalaatiin muuxxannoo kan hin qabne ta'uusaa sababa gochuun, qabeenya miidhamaan qabu waliin kan wal hin gitneefi kasaaraa olaanaa kan isarratti hordofsiisu ta'uusaa osoo beekuu, hojjedheen buufadha amantaa jedhu akka qabaatu taasisuun waraqaalee gatii qaban yookiin mi'oota daldalaa akka bitu, akka gurguru yookiin gocha biroo kana fakkaatu akka raawwatu kan isa kakaase yoo ta'e;

   iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu, hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, adabbii maallaqaatiin ni adabsiisa.

Keewwata 705. Namoota Dandeettii Hin Qabne Hojii Qabeenya Isaanii Miidhu Akka Raawwatan Kakaasuu

1. Namni kamiyyuu yaada keewwata 704 jalatti ibsameen dadhabina yaadaa, amantaa miidhamticha irrtti qabu yookiin muuxannoofi dandeettii kan hin qabne ta'uusaa bu'uura godhachuun ijoollee gaa`ela hin geenye yookiin nama seeraan dandeettii hin qabne.
   (a) faayidaa isaaf yookiin nama biroof maallaqa akka kennuuf, akka liqeessuuf, kanumaaf waadaa akka seenuuf, walamansiisa idaan narra

www.abyssinialaw.com

jiraa akka kennuuf yookiin faayidaa biroo akka kennuuf sossobuun kan kakaase yoo ta'e; yookiin

(b) walumaagalatti qabeenya ofiisaa yookiin kan nama biroorratti hojii miidhaa geessisuu danda'u akka raawwatu yookiin hojii raawwachuu qabu akka dhiisu kan isa kakaase yoo ta'e;

iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu, hidhaa salphaan yookiin adabbii maallqaatiin ni adabma.

2. Akkasumas kaayyoo walfakkaatuun waadaa kana fakkaatu yookiin sanada maallaqni ittiin kaffalamu yookiin walii mirkaneessa kan fuudheefi kan ofii kan taasise yookiin nama biroof dabarsee kan kenne, akkaataa kanaan ni adabama.

Kutaa Lama

Yakkoota Kompiitaraan Raawwataman

Keewwata 706. Hayyama Malee Kompiitara Seenuu, Tajaajila Kompiitaraa Fudhachuu Yookiin Fayyadamuu

1. Namni kammiyyuu gara kompiitaraa, sirna kompiitaraa yookiin gara cimdaa (network) kompiitaraa hayyama malee kan seene yoo ta'e adabbii maallaqaatiin ni adabama.
2. Namni kamiyyuu gara kompiitaraa, sirna kompiitaraa yookiin cimdaa (network) kompiitaraa hayyama malee seenuun itti yaadee; daataa yookiin tajaajila kompiitaraa kan fudhate yookiin kan itti fayyadame yookiin namni biroo akka itti fayyadamu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin, yookiin dubbichi baay'ee ulfaataa yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdama hin caalleen ni adabama.
3. Yakkichi dagannoon kan raawwatame yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma lama hin caalle ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 707. Miidhaa Daataa Irratti Geessisuu

1. Namnii kamiyyuu hayyama malee gara sirna kompiitaraa yookiin cimdaa kompiitaraa /computer network/ seenee isaan kana keessa kan jiru daataa kamiyyuu itti yaadee itti dabaluun, jijjiiruun, haquun, yookiin balleessuun miidhaa kan geessise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Yakkichi kan raawwatame:
   (a) hatuuf, waliin dhahuuf, gowwomsuuf yookiin butuuf akka danda'amutti karoora kamiyyuu baasuuf yookiin hojiirra oolchuuf yookiin maallaqa, qabeenya, tajaajila kompiitaraa, yookiin daataa kamiyyuu seeraan ala to'achuuf yookiin argachuuf yoo ta'e; yookiin
   (b) karoorri armaan olitti qubee (a) jalatti ibsame jiraachuu baatus, dubbichi ulfaataa yoo ta'e;

   adabbichi hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma digdama hin caalle ni ta'a.

3. Gochichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; adabbichi hidhaa salphaa ji'a sadii hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma lama hin caalle ni ta'a.

Keewwata 708. Tajaajilamaan Hayyamameef Tajaajiloota Kompiitaraa Akka Hin Arganne Addaan Kutuu

1. Namni kamiyyuu gara kompiitaraa, sirna kompiitaraa, yookiin cimdaa kompiitaraa (computer network) hayyama malee seenuun tajaajilamaan hayyamameef tajaajiloota kompitaraa akka hin arganne itti yaadee kan jalaa addaan kute yoo ta'e;

   hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Yakkichi kan raawwatame dagannoon yoo ta’e, adabbichi hidhaa salphaa ji’a sadii hin caalle yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma lama hin caalle ni ta’a.

Keewwata 709. Gochoota Raawwii Yakkoota Kompiitaraa Mijeessuuf Raawwataman

Namni kamiyyuu gochoota keewwatoota sadeen armaan olitti tumamaniin tarreeffaman keessaa tokko raawwachuuf akka isa gargaaru yaaduun meeshaalee, lakkadda iccitii yookiin iggita (password) biyya keessatti kan galche, kan oomishe, kan gurgure, gurgurtaaf kan dhiheesse, kan raabse, kan bite, kan fuudhe yookiin qabatee kan argame yoo ta’e;

hidhaa slphaan yookiin adabbii maallaqaatiin yookiin lamaaniinuu ni adabama.

Keewwata 710. Yakkoota Biroo

Kutaa kanaan kan tumamaniin ala yakki biroon kompiitaraan kan raawwatame yoo ta’e, seerri rogummaa qabu raawatamaa ni ta’a.

Keewwata 711. Dachaa Ta’uu Yakkootaa

Yakki akaakuu kamiyyuu kompiitaraan raawwatamu yakka biroo seera yakkaa kanaan adabsiisu kan hordofsiise yoo ta’e; tumaan yakka kanaaf rogummaa qabu dabalataan raawwatamaa ni ta’a.

Kutaa Sadi

Yakkoota Rakkoo Yaadaa Yookiin Namaa Bu’uura Godhachuun Raawwataman

Keewwata 712. Araaxaa

1. Namni kamiyyuu rakkoo gadi aantummaa yookiin rakkina maallaqaa yookiin dadhabina yaadaa yookiin muuxannoo yookiin dandeettii dhabuu miidhamaa bu’uura godhachuun:
   (a) dhala seeraan hayyamamee ol ta’een maallaqa kan liqeesseef yoo ta’e; yookiin

www.abyssinialaw.com

(b) maallaqa liqeesseef waliin qabeenya ifatti wal madaalaa hin taane bakka isaa akka kennuuf kan taasise yookiin waadaa kan seensise yoo ta'e;

hidhaa salphaan, yookiin akka haala dubbichaatti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

2. Namni kamiyyuu yaada wal fakkaatuun mirga araaxaa irratti bu'uureffame kan fuudhe, ittisaaf kan itti fayyadame, yookiin nama biroof kan dabarse yoo ta'e; akaakuu armaan olitti ibsameen ni adabama.

Keewwata 713. Dirqisiisuun Fayyadamuu

Namni kamiyyuu faayidaa qabeenyaa hin malle argachuuf yookiin argamsiisuuf jecha maallaqa yookiin wanta gatii qabu yookiin sanada yookiin mirga kan kennu yookiin idaa kan hambisu yookiin wanta faayidaa kana fakkaatu qabu kamiyyuu akka kennamuuf taasisuuf yakka wanbadummaan ala /keewwwata 670/ gocha humnaa yookiin doorsisa cimaa nama biroorratti kan raawwate yookiin akka ofirraa hin ittisne kan taasise yoo ta'e;

baay'ee yoo xiqqaate hidhaa salphaa ji'a sadiin, yookiin akka cimina yakkichaatti hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleefi adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 714. Faayidaa Argachuuf Sodaachisuu

Namni kamiyyuu miidhamticha yookiin nama isa waliin qunnamtii firoomaa yookiin jaalalaa dhihoo qabu oduu yookiin wanta miidhuu danda'u dhugaa yoo ta'ellee tooftaa kamiiniyyuu nan ibsa yookiin nan beeksisa yookiin nan saaxila jechuun sodaachisee, haala qabeenya miidhamtichaa yookiin nama biroorratti miidhaa geessisuun miidhamtichi akka callisu kan taasise yoo ta'e,

bu'uura tumaa armaan olitti keewwata 713 jalatti ibsameen ni adabama.

Keewwata 715. Haala Ulfaataa

Adabbichi hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma kudhan hin caalle kan ta'u, araaxaa fudhachuun, dirqisiisanii fayyadamuun, yookiin faayidaa argachuuf sodaachisuun namni himatame:

www.abyssinialaw.com

(a) ogummaa yookiin hojii seera qabeessa hayyama itti argateen seeraan ala hojjechuun yakkicha kan raawwate yoo ta'e; yookiin

(b) yakkicha kan raawwate nama gaa`ela hin geenye yookiin dandeettii hin qabne yookiin nama dadhabina yaadaa qabu ta'e miidhuuf yoo ta'e; yookiin

(c) dursee bu'aa isaa tilmaamuun gochicha irradeddeebi'uun miidhamticha irratti miidhaan qabeenyaa akka gahu yookiin miidhamtichi akka of ajjeesu kan kakaase yoo ta'edha.

Mata Duree Lama

Yakkoota Dhimma Daldalaafi Dinagdee Irratti Raawwataman

Keewwata 716. Hirmaannaa Yakkaa Jaarmiyaa Namummaan Seeraa Kennameef

1. Jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef bu'uura tumaa seera kana keewwata 34 jalatti ibsameen yakkoota mata duree kana keessatti ibsaman keessaa tokkotti hirmaataa yommuu ta'utti, akka akaakuu yakkichaatti bu'uura keewwata 90 tiin ni adabama.
2. Haala keewwata xiqqaa (1) armaan olii jalatti ibsameen yakki yommuu raawwatamu gahee gaggeessaa hojii jaarmiyichaa keessatti qaburraa kan ka'een yakkicha keessatti hirmaataa kan ta'e hojii gaggeessaan, dubbii fixaan, miseensi, bulchaan yookiin miseensi to'annaa yookiin qaamni qulqulleessaa herreegaa bu'uura tumaalee mata duree kanaa rogummaa qabaniin ni adabama.
3. Tumaan keewwata kanaa raawwatiinsa tumaa keewwata 143 hin hambisu.

Boqonnaa Tokko

Yakkoota Mirga Qabatamoo Hin Taane Irratti Raawwataman

Keewwata 717. Maqaa Gaarii Nama Biroorratti Miidhaa Qaqqabsiisuu

1. Namni kamiyyuu dabaan yookiin miidhaa geessisuuf yaaduun haasawaa soba ta'uusaa beeku yookiin yaada badaa ibsuun haala hojii daldalaa isaa waliin walqabateen maqaa gaarii nama biroo baay'ee kan miidhe yookiin shakkii keessa kan galche yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu, adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii gadii hin taaneen ni adabama.

2. Tumaan seera kanaa himannaa hamii sobaa kan ilaallatu /keewwata 613(3)/ keewwata kana waliin dabalataan raawwatamaa ta`uu hin danda'u.

Keewwata 718. Ibsawwan Sobaa Miidhaa Geessisan

Namni kamiyyuu hundeessaa, miseensa, bulchaa, hojii gaggeessaa, dubbifixaa, miseensa boordii gaggeessitootaa, miseensa boordii odiitii yookiin qulqulleessaa ta'uun dhimma addaddaa jaarmiyaa, waldaa daldalaa yookiin waldaa hojii gamtaa tokko kan beeku ta'ee osoo jiruu, ummani akka beeku kan taasifamu beeksisa yookiin gabaasa yookiin yaada, yaa'ii waliigalaaf dhihaatu irratti odeeffannoo miidhuufi sirrii hin taane itti yaadee kan kenne yookiin akka kennamu kan taasise yoo ta'e;

iyyaannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu, adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama.

Keewwata 719. Dorgommii Daldalaa Hin Malle

Namni kamiyyuu waliin dhahuun yookiin hojmaata biroo kamiyyuu yaada gaarii hojiin daldalaa gaafatuuf faallaa ta'een nama biroorratti itti yaadee dorgommii daldalaa barbaachisaa hin taane kan raawwate; keessumattuu:

(a) faayidaa dorgomtoota isaarra fooyya'e argachuuf jecha maqaa gaarii, mi'oota yookiin hojmaatawwan, sochiiwwan yookiin daldala nama biroo tuffachiisuun yookiin waa'ee oomishawwan, hojmaata, sochii yookiin daldala ofiisaa ibsa sirrii hin taane yookiin ibsa sobaa kennuu; yookiin
(b) mi'oota, hojmaatawwan yookiin oomishoota yookiin daldala isaa kan biroo waliin tarkaanfilee waliin dhahaan fudhachuun; yookiin
(c) waa'ee haala yookiin dandeettii addaa isaa kanneen biroorratti amantaa uumuuf jecha tooftaa dhugaa hin taane yookiin sobaa, maallattoo

www.abyssinialaw.com

addummaa yookiin mallattoo yookiin maqaa ogummaa fayyadamuun; yookiin

(d) hojii isaanii barbaachisaa ta'e yookiin dirqama hojii isaanii akka hin raawwanne taasisuuf yookiin akkaataa oomishaa, gurmaa'iinsaa, yookiin iccitii hojmaataa hojjechiisaa isaanii akka argatan yookiin akka ibsan kakaasuuf jecha hojjettoota, bakka bu'oota yookiin gargaartoota dorgomtoota daldalaa isaaf faayidaa hin malle kennuun yookiin dhiheessuun; yookiin

(e) karaa biroo kamiyyuu yaada gaariif faallaa ta'een iccitiiwwan argaman yookiin ibsaman kanneen ibsuun yookiin isaaniin fayyadamuun;

yoo ta'e, iyyannoon dhuunfaa yommuu irratti dhihaatu adabbii maallaqaa qarshii kuma tokkoo gadi hin taaneen yookiin hidhaa salphaa ji'a sadii gadi hin taaneen ni adabama.

Keewwata 720. Mallattoolee, Madda Irra Argame Beeksisuu, Saxaxa Yookiin Akkayyaa Cabsuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee:

(a) bifa ummata dogoggorsuun mallattoolee, mallattoolee addummaa, yookiin beeksisoota madda irraa argamee kan daldalaa, kan industirii yookiin kan qonnaas ta'e, oomisha yookiin mi'a nama biroo yookiin wantoota isaan ittiin maraman yookiin saamsaman irratti taasifaman kan cabse yookiin fakkeessee kan dhiheesse; yookiin

(b) oomisha yookiin mi'a sobatti jijjiirame, waraabame, fakkaatee dhihaate yookiin mallattoo haala hin malleen maxxanfame ta'uusaa inni beeku kan irra jiru kan gurgure, gurgurtaaf kan dhiheesse, biyya keessatti kan galche, biyya alaatti kan erge, kan raabse yookiin gabaaf kan dhiheesse; yookiin

(c) oomishoota yookiin mi'oota qabiyyee isaa jala jiran mallattoo kana ofirraa qaban madda isaan irraa argaman ibsuu kan dide yoo ta'e;

hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Namni kamiyyuu seeraan kan galmaa'aniifi seerota yookiin walta'iinsaalee biyyoolessaan yookiin addunyaalessaan kan eegaman mirga kalaqaa, keessumattuu saxaxa yookiin akaakuuwwan industirii, mirga abbummaa kalaqaa yookiin hojmaatawwan ilaalchisee akkaataa armaan olitti ibsameen gochi seeraa alaa kan raawwatame yoo ta'e adabbii walfakkaataa ta'een ni adabama.
3. Gochi keewwata xiqqaa (1) yookiin (2) jalatti ibsame kan raawwatame dagannoon yoo ta'e, hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabsiisa.

Keewwata 721. Mirga Barruu, Artii Yookiin Hojii Kalaqa Sammuu Cabsuu

1. Namni kamiyyuu itti yaadee mirga barruu, artii yookiin hojii kalaqa sammuu ilaalchisee seera tumame kan cabse yoo ta'e;
   hidhaa cimaa waggaa kudhan hin caalleen ni adabama.
2. Gochichi kan raawwatame dagannoon yoo ta'e; hidhaa salphaa waggaa shan hin caalleen ni adabsiisa.

Keewwata 722. Mirga Iyyannoo Dhuunfaa Dhiheessuu

Yakkoonni boqonnaa kanaa kan adabsiisan iyyannoo dhuunfaa dhiheessuun yommuu ta'an, mirga iyyannoo dhuunfaa dhiheessuu kan qaban namoota yakkichaan miidhaman yookiin waldaalee ogummaa isaaniiti.

Keewwata 723. Haalawwan Ulfaatoo

Yakkoota boqonnaa kana keessatti ibsaman keessaa tokko kan raawwatame gowwomsummaa raawwachuuf akka mijaawu yaadamee yoo ta'e; adabbiin gowwomsummaaf tumame dabalataan raawwatamaa ni ta'a.

Keewwata 724. Tarkaanfilee Dabalataa

Adabbii yakkaafi gaaffii seera hariiroo hawaasaatiin dhihaatu kamiyyuu irratti dabalataan manni murtichaa wantoota qaama yakkichaa ta'an, mi'oota yookiin hojiiwwan, akkasumas maallaqni gurgurtaa yookiin agarsiisa tiyaatiraa irraa argame akka dhaalamu ni ajaja.

Manni murtichaa murtichi ummataaf akka ibsamu ni taasisa.

www.abyssinialaw.com

Boqonnaa Lama

Yakkoota Dhimma Dhiheessa Himannaa Idaa Kaffalchiisuuf Taasifamu, Raawwii Murtiifi Kasaaruu Irratti Raawwataman

Keewwata 725. Waliin Dhahuun Idaa kaffaluu Dadhabuu

Namni kamiyyuu idaan kaffaluu hin dandeenye kan isarra jiru ta'uusaa itti yaadee kan dhokseefi dirqama isaa raawwachuu dadhabuu isaa yookiin hayyamamaa ta'uu dhabuu isaa osoo beekuu waliigaltee kan seene yoo ta'e;

iyyannoon dhuunfaa yommuu isarratti dhihaatu, adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen yookiin hidhaa salphaan ni adabama.

Keewwata 726. Haala Hin Malleen Kasaaruu

1. Abbaan idaa hojii daldalaa irratti bobba'e kamiyyuu daldala isaa yommuu raawwatu galmee herreegaa yookiin herreega barbaachisaa ta'e qabuu dhabuun, baasii madaalawaa hin taane baasuun yookiin tilmaama hammaataa irraan buufadha jedhuun mi'oota baay'ee bituun, kuusuun, yookiin haala biroo kamiiniyyuu yookiin daldala isaa haala maluun gaggeessuu dhabuun itti yaadee idaasaa kaffaluu haala isa hin dandeessisne keessa akka seenu kan of taasise yookiin haala kana kan hammeesse yoo ta'e;
   hidhaa salphaan ni adabama.
2. Gochicha kan raawwate dagannoon yoo ta'e; hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shan hin caalleen ni adabama.
3. Abbaa idaa galmee daldalaa irratti hin galmoofne irratti himannaan kan dhihaatu, iyyannoo dhuunfaa abbaa maallaqaatiin dhihaatu qofaan ta'a. Iyyannichi dhuunfaas, abbaan idichaa qabeenya kan hin qabne ta'uun isaa akka beekamuuf guyyaa itti iyyate irraa eegalee yeroo ji'a sadii keessatti dhihaachuutu irra jiraata.
4. Abbaan maallaqaa hojiiwwan armaan olitti ibsaman akka raawwatu kakaasee dadhabina yaadaa yookiin dagannoo abbaa idichaa fayyadamee gara kanatti kan qajeelche yookiin araaxaa fudhachuun kan itti fayyadame abbaa idichaa irratti himata dhiheessuu hin danda'u.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 727. Waliin Dhahuun Kasaaraan Akka Qaqqabu Taasisuu

1. Kasaaruun isaa murtiin kan itti murta'e abbaan idaa kamiyyuu:
   (a) Bifa qabatamaa ta`een qabeenya isaa keessaa hanga murtaa'e tokko nama biroof dabarsuunis ta'e balleessuun, mancaasuun, gatiin isaa akka gadi bu'u yookiin tajaajilaan ala akka ta'u taasisuun; yookiin
   (b) sobaa uumuun, keessumattuu qabeenya isaarraa tokko tokko hir'isuunis ta'e miliqsuun, idaa isarra hin jirre yookiin gaaffii maallaqaa amanuun yookiin anarra jira jedhee fudhachuun yookiin idaan osoo irra hin jiraatiin idaan sirra jira jedhee garee sadaffaan akka isa gaafatu kakaasuun, yookiin tooftaa fakkeessuu biroo kamiiniyyuu keessumattuu tooftaa qabiinsa herreegaa sirrii hin taaneen, waliif babarreessa sobatti jijjiirame yookiin madaala herreegaa sobaa fayyadamee qabeenya dhugaan qabuu gadii akka qabu fakkeessuun,abbootii maallaqaa mirga isarraa maallaqa gaafachuu qaban miidhuuf yaadee qabeenyichi akka harkaasaatii bahu yookiin akka qisaasamu kan taasise yoo ta'e;

   hidhaa salphaa ji'a jahaa gadi hin taaneen ni adabama.
2. Yakki raawwatame miidhaa olaanaa kan hordofsiise yoo ta'e yookiin gochichi kan raawwatame raayyaa ittisaa yookiin jaarmiyaa mootummaa yookiin dhaabbata tajaajila kennu irratti yoo ta'e; adabbichi hidhaa cimaa waggaa saddeet hin caalle ni ta'a.
3. Garee sadaffaan kamiyyuu gaafattoota maallaqaa miidhuuf gocha akaakuu akkanaa kan raawwate yoo ta'e; hidhaa salphaa hanga waggaa sadii gahuu danda'uun ni adabama.
4. Raawwatichi yakkicha raawachuuf gocha yakka gowwomsuu hundeessu raawwatee kan argame yoo ta'e; tumaan gowwomsuu ilaallatu dabalataan raawwatamaa ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 728. Gocha Waliin Dhahuu Raawwii Murtiirratti Raawwatamu

1. Abbaan idaa raawwii murtiin himatame qabeenya kan hin qabne ta'uun isaa barreeffamaan erga beekamee booda faayidaa gaafattoota maallaqaa miidhuuf yaaduun bu'uura armaan olitti keewwata 727 jalatti ibsameen gocha qabatamaan yookiin sobaa uumuun qabeenyi isaa akka hir'atu kan taasise yoo ta'e;
   hidhaa salphaan, yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, hidhaa cimaa waggaa shan hin caalleen ni adabama.

2. Garee sadaffaan gaafattoota maallaqaa irratti miidhaa qaqqabsiisuuf gocha akaakuu akkanaa raawwate kamiyyuu hidhaa salphaan ni adabama.

Keewwata 729. Qabeenya Qabsiisaan Yookiin Seeraan Qabame Seeraan Ala Fudhachuu Yookiin Balleessuu

1. Abbaan idaa kamiyyuu faayidaa argachuuf yookiin argachiisuuf yookiin gaafataa maallaqaa irratti miidhaa qaqqabsiisuuf yaaduun qabeenya socho'u yookiin hin sochoone gaafataan maallaqaa qabsiisaan, dabarsaan yookiin bu`aatti fayyadamuuf qabate kan fudhate, kan biroof kan dabarse, kan miidhe, gatiin isaa akka hir'atu yookiin akka hin tajaajille kan taasise yoo ta'e;
   hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hin taaneen ni adabama.

2. Garee sadaffaan gaafattoota maallaqaa irratti miidhaa qaqqabsiisuuf yaaduun gocha akaakuu akkanaa kan raawwate kamiyyuu hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen yookiin adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hincaalleen ni adabama.

Keewwata 730. Qabeenya Ajaja Mana Murtiin Qabame Seeraan Ala Fudhachuu Yookiin Balleessuu

1. Namni kamiyyuu gaafattoota maallaqaa miidhuuf jecha ajaja mana murtiin kan kabajame yookiin qabame mi'a tarreeffama kasaaraa keessatti galmeeffame yookiin tarreeffama mirgi qabiyyee ittiin kenname keessatti lakkaawamee barreeffame seeraan ala kan fudhate, seeraan ala hojiirra kan oolche, kan

www.abyssinialaw.com

balleesse, kan mancaase, gatiin isaa akka hir'atu yookiin tajaajilaan ala akka ta'u kan taasise yoo ta'e;
hidhaa salphaan ni adabama.

2. Garee sadaffaan gaafattoota maallaqaa miidhuuf gocha akaakuu akkanaa kan raawwate hidhaa salphaan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.
3. Gochoonni bu'uura keewwata kanaan adabsiisan kan raawwataman gaafattoota maallaqaa qofa miidhuuf yoo ta'e; tumaan seera kana keewwata 439 dabalataan raawwatamaa hin ta'u.

Keewwata 731. Loogii Hin Malle Gaafattoota Maallaqaa Gidduutti Taasisuu

Abbaan idaa kasaaruun isaa murtiin beekame yookiin qabeenya dhabuu isaaf mirkaneessa seera qabeessa dhiheesse kamiyyuu idaa isaa guutummaan kaffaluu kan hin dandeenye ta'uusaa osoo beekuu tooftaa kamiiniyyuu, keessumattuu:

(a) idaa yeroon kaffaltii isaa hingeenye kaffaluun yookiin yeroon kaffaltii isaanii yommuu gahu idaawwan maallaqa callaa yookiin sanadoota kaffaltii idaa baratamaniin ala karaa ta'een kaffaluun; yookiin
(b) akka kennu osoo hin dirqamiin fedhii isaatiin idicha akka kaffalu wabummaa yookiin qabsiisa mirkaneessu kennuun; yookiin
(c) karaa walfakkaataa biroo kamiiniyyuu gaafattoota maallaqaa muraasa fayyaduun kanneen biroo kan miidhe yoo ta'e;

hidhaa salphaa waggaa sadii hin caalleen ni adabama.

Keewwata 732. Sagalee Caalmaa Argachuuf Faayidaa Kennuu

1. Abbaan idaa kamiyyuu gaafattoota maallaqaa keessaa deeggarsa sagalee isa tokkoo argachuuf yookiin mana murtii irraa mirkaneessa walta'iinsaa argachuuf jecha:
   (a) gaafataa maallaqichaaf yookiin walga'ii waliigalaa irratti bakka bu'aa isaa kan ta'eef; yookiin
   (b) bulchiinsa qulqulleessa herreega kisaaraaf yookiin miseensa qulqulleessaa herreegaa nama ta'eef; bu'aa murtaa'e kan kenne yookiin kennuuf waadaa kan seene yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

hidhaa salphaa hanga waggaa sadii gahuu danda'uun ni adabama.

2. Abbaa idichaa fayyaduuf jecha gocha akaakuu akkanaa kan raawwate garee sadaffaan yookiin faayidaa akaakuu akkanaa garee sadaffaaf akka kennu yookiin waadaa akka seenu kan taasise namni biroo kamiyyuu; adabbii walfakkaatuun ni adabama.

Keewwata 733. Waliin Dhahuun Walta'iinsa Argachuu

1. Abbaan idaa kamiyyuu beellama yeroo walta'iinsaa dheeressuuf yookiin mirkaneessa walta'iinsaa mana murtiirraa argachuuf jecha tooftaa kamiiniyyuu, keessumattuu qabiinsa herreegaa yookiin sanada herreegaa, walii babarreessa yookiin madaala herreegaa sirrii hin taaneen yookiin waliin dhahameen haala maallaqa isarra jiruu gaafattoota maallaqaa, abbaa seeraa waa'ee kasaarichaa qorannaa taasisu yookiin abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatu kan dogoggorse yoo ta'e;
   hidhaa salphaan ni adabama.

2. Garee sadaffaan abbaa idaa fayyaduuf jecha gocha akaakuu akkanaa kan raawwate yoo ta'e adabbii walfakaataan ni adabama.

Kutaa Guddaa Sadaffaa

Seera Dambii Darbuu

Kitaaba Torbaffaa

Kutaa Waliigalaa

Mata Duree Tokko

Dambiilee Adabbii Ilaallatan

Boqonnaa Tokko

Daangaa Raawwatiinsa Seerichaa

www.abyssinialaw.com

Keewwata 734. Gara Qajeeltoowwan Waliigalaa Seera Yakkaatti Qajeelchuu

Kitaaba kana keessatti haala addaatiin kan tumame yoo ta'e malee akaakuu dubbichaa akkasumas yaadaafi galma seerichaa ilaaluun qajeeltoowwaniifi dambiileen bu'uuraa kutaa waliigalaa seera yakkichaa dambii darbuurratti raawwatamoo ni ta'u /keewwata 3 paraagiraafii (2)/.

Keewwata 735. Dambii Darbuu

Namni tokko dambii darbeera kan jedhamu seera qaamni aangoo qabu baaseen kan ibsameefi tumaa wanti tokko akka hin raawwatamne ajaju yookiin dhorku kan darbe yookiin badii salphaa yakkaan hin adabsiifne kan raawwate yoo ta'eefi darbuun seera akaakuu akkanaa yookiin badii salphaan tumaalee armaan gaditti ibsamaniin kan adabsiisu yommuu ta'udha /keewwata 746 hanga 775/.

Keewwwata 736. Badiiwwan Seerichi Irratti Raawwatamaa Ta`u

1.Qajeeltoo seera qabeesssummaan akka ibsametti /keewwata 2(1) hanga (4)/ seera dambii darbuu kanaan yookiin seera biroon badiiwwan tumaman qofti ni adabsiisu.

2. Adabsiisuu kan danda'anis adabbiilee seera kana keessatti ifatti ibsaman qofaan ni ta'a. Tumaleen kunis raawwatamoo kan ta'an gocha raawwatameef keewwattoonni adabbii caalaa tuman yommuu hin jirre qofadha.

Gochi tokko kan adabsiisu seera yakkaa yookiin seera dambii darbuu keessaa isa tokko qofaan malee lamaniin miti /keewwata 2(5)/.

3. Gochoonni dambii darbuu kan adabsiisan, yommuu raawwataman bu'uura tumaalee jiraniin malee gochichaan booda seera bahe gara duubaatti deebi'ee akka raawwatamu taasisuun hin ta'u /keewwata 5/. Seerri dambii darbuu kun yeroo itti ragga'e irraa eegalee tumaaleen kutaa addaa seerichaa keessatti ibsaman dambii darbuu seerichaan ibsaman kamiifiyyuu raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 737. Seerichi Walqixa Raawwatamaa Ta'uusaa

Tumaaleen dambii darbuu ilaallatan garaagarummaa osoo hin taasisiin balleessitoota hundarratti walqixa raawwatamoo ni ta'u /keewwata 4/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 738. Iddoo Ilaalchisee Raawwatiinsa Seerichaa

1. Iddoon gochoonni dambii darbuu itti raawwatamaniiru jedhamu, dambii darbaan wanta gochuu hin qabne iddoo itti raawwate yookiin wanta gochuu qabu iddoo itti hin raawwannedha /keewwata 25/. Gochoonni kunneen kan ittiin gaggeeffaman qajeeltoo daangaa biyyaatiin ta'a /keewwata 11/.
2. Namni Itoophiyaa keessa jiru himannaan gochoota dambii darbuu inni raawwate kan ilaalamu bu'uura seera Itoophiyaan ta'a. Yeroo kanattis tumaaleen himannicha bakka bu'iinsaan ilaaluus /keewwata 12/ ta'ee himatamticha dabarsanii kennuu /keewwata 21/ raawwatamoo hin ta'an.
3. Badiiwwan gochoota dambii darbuu biyya alaatti lammii Itoophiyaatiin yookiin lammii Itoophiyaa irratti raawwataman Itoophiyaa keessatti hin adabsiisan /keewwata 18/. Lammiin Itoophiyaa mirgi hin sarbamne kennameef badiiwwan dambii darbuu kana yeroo biyya alaa jirutti yoo raawwate Itoophiyaa keessatti ittiin hin himatamu /keewwata 14/.
4. Dambiilee seera loltummaa Itoophiyaan tumaman qofa darbuun badichi Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti kan raawwatame yoo ta'eyyuu himannichi kan ilaalamu seera Itoophiyaa hordofuun manneen murtii loltummaatti ni ta'a /keewwata 792/. Haa ta'u malee raawwatichi badii isaa kanaan manneen murtii biyya alaatti itti adabameera yoo ta'e manni murtichaa adabbiin haaraan akka hafu taasisuu ni danda'a.

Keewwata 739. Murtii Biyya Alaatti Kenname

Himanni dambii darbuu manneen murtii Itoophiyaa keessatti yommuu ilaalamutti akkaataa adabbiin itti murtaa'u ilaalchisee mana murtii biyya alaatti murtiin dambii darbuufi balleessummaan yakkaa yookiin adabbiin tilmaama keessa hingalu /keewwata 22/.

Boqonnaa Lama

Itti Gaafatamummaa Yakkaa

www.abyssinialaw.com

Keewwata 740. Gochoota Adabsiisaniifi Namoota Adabaman

1. Qophiifi yaaliin gocha dambii darbuu raawwachuuf taasifaman hin adabsiisan.
2. Akkasumas kakaasuun, miiltummaafi yakka erga raawwatee booda raawwataa yakkichaa gargaaruun dambii darbuuf taasifamu hin adabsiisu. Kan adabaman dambii darbaafi dambii darbitoota qofadha /keewwata 32/.
3. Dambii darbuu ilaalchisee jaarmiyaan namummaan seeraa kennameef kakaastummaan yookiin miiltummaan hin adabamu; kan adabamu itti gaafatamaa yookiin hojjetaa jaarmiyichaa bu'uura seera kana keewwata 32 tiin seera, dambii yookiin qajeelfama dambii darbaa muummee ta`ee yommuu cabsu qofadha.
4. Tumaaleen dambii darbuu ilaallatan yaada seera yakkaatiin /keewwata 52-55/ balleessitoota dargaggoo irrattis raawwatamoo ni ta'u.
5. Yakkoota karaa maloota sabqunnamtiin raawwataman irratti hirmaataa ta'uu ilaalchisee tumaaleen rogummaa qaban seera yakkaa keessatti tumaman /keewwata 42-47/ dambii darbuu irrattis raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 741. Haalawwan Adabsiisan

1. Tumaaleen seera yakkichaa itti gaafatamummaafi itti gaafatamummaa dhabuu yakkaa ilaallatan /keewwata 48-50/ dambii darbuu irratti raawwatamoo ni ta'u.
2. Gochi dagannoon raawwatame hin adabsiisu jedhamee haalawwan seerichaan ifatti tumameen alatti itti yaadee yookiin dagannoon /keewwata 57-59/ dambii kan darbe namni kamiyyuu adabbii tumaa dambii darbuu keessatti ibsameen ni adabama.
3. Itti gaafatamummaafi adabamtummaan dambii darbaa yoomiyyuu yoo ta'e dhuunfaan ni ta'a /keewwata 41 fi 88/.

Keewwata 742. Tarkaanfilee Dhimmicha Qulqulleessuuf Fudhataman

Yakkoota idilee ilaalchisee tarkaanfileen ragummaafi qorannoo beekaa addaa kan murtaa`an /keewwata 51 fi 54/ akka raawwataman mana murtiin kan ajajamu itti gaafatamummaan balleessichaa karaa biroon murtaa'uu kan hin dandeenye yoo ta'e qofadha.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 743. Haalawwan Hin Adabsiifneefi Dhiifama Kennisiisan

1. Gochoota seeraan ajajaman yookiin hayyamaman /keewwata 68/, dirqama hojii ogummaa /keewwata 69/, fedhii miidhamaa /keewwata 70/, guutummaan dirqisiifamuu yoo ta'e /keewwata 71/, haala barbaachisaa /keewwata 75/fi of irraa ittisuu seera qabeessa /keewwata 78/ kan ilaallatan tumaaleen seera yakkaa dambii darbuufis raawwatamoo ni ta'u.

   Dirqisiifamuu ofirraa ittisuun danda'amu yookiin haala barbaachisaa yookiin ofirraa ittisuu seera qabeessa ta'e hammarra dabarsuu yommuu ta'u balleessichi ni adabama; manni murtichaa garuu daangaa bu'uura seeraan hayyamameen/keewwata 766/ adabbicha salphisuufii qaba.
2. Qaama olaanaa irraa ajajni yommuu kennamutti, ajajamtichi ajaja itti gaafatamaa olaanaa daangaa aangoo isaaf kenname keessatti hojjetuu fudhatee ajajuma kana keessaa osoo hin ba'iin gocha dambii darbuu kan raawwate yoo ta`e hin adabamu. Namni ajaja kenne sun gocha kanaaf itti gaafatamaa ni ta'a /keewwata 73/.

   Ajajamtichi ajaja fudhate irra darbuun gocha itti yaadee raawwateef itti gaafatamaa ni ta'a.

Keewwata 744. Dogoggora

1. Namni dambii darbe kamiyyuu seera wallaaluu yookiin mirgi raawwachuu jira jechuun dogoggoruun /keewwata 81/ akka sababa ittisaa taasisee dhiheeffachuu hin danda'u.
2. Raawwatichi gochicha kan raawwate gonkumaa beekuu dhabuu yookiin fedhii dhabuu isaa haala dogoggora mirkanaa'e agarsiisuun yoo ta'e, dambii darbuun itti gaafatamaa hin ta'u /keewwata 80/.

Keewwata 745. Haalawwan Adabbii Salphisaniifi Cimsan

1. Namni dambii darbuun balleessaa ta'ee argame haalawwan adabbii salphisan seera yakkichaa keessatti ibsamaniin /keewwata 82 fi 83/ gochicha raawwateera yoo ta'e; manni murtichaa bu'uura armaan gaditti ibsameen /keewwata 766/ haalawwan kana tilmaama keessa galchuun adabbicha salphisuu yookiin adabbii akaakuu birootti jijjiiruu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

2. Balleessichi haalawwan adabbii cimsan seera yakkaa keessatti ibsamaniin /keewwata 84 fi 85/ gochicha kan raawwate yoo ta'e; manni murtichaa bu'uura armaan gaditti ibsamuun /keewwata 767 hanga 770/ tiin adabbicha ni cimsa.
3. Haalawwan adabbii cimsaniifi salphisan walfaana yommuu argaman manni murtichaa lamaanuu sirriitti madaaluun adabbicha ni murteessa /keewwata189/.

Mata Duree Lama

Dambiilee Adabbiilee Ilaallatan

Boqonnaa Tokko

Adabbiilee Raawwatiinsa Qabaniifi Tarkaanfilee Eeggannoo

Kutaa Tokko

Adabbiilee Muummee

Keewwata 746. Adabbiileen Yakkaa Idilee Ta'an Raawwatiinsa kan Hin Qabne Ta'uu Isaanii

1. Dambii darbuun yoomiyyuu yoo ta'e hidhaa cimaa yookiin hidhaa salphaa yakkootaaf tumamaniin hin adabsiisu. Dambii darbuun yakkarraa kan adda bahu adabbii addaa hordofsiisuunidha.
2. Dambii darbitoonni loltoota yookiin balleessitoota dargaggoo yommuu ta'an adabbiin addaa raawwatamu akkuma eegametti ta'ee; dambii darbuu ilaalchisee adabbiileen raawwataman tumaalee armaan gaditti ibsaman keessatti kanneen argaman qofadha.
3. Hawaasichaaf jecha tarkaanfileen eegumsaa yookiin yaalaa fudhatamuu yommuu qabaatan keessumattuu namoota itti gaafatamoo ta'uu hin dandeenye /keewwata 130 fi 131/ ilaalchisee manni murtichaa abbaa taayitaa bulchiinsaa seera qabeessa ta'eef ni beeksisa /keewwata 154/.

Keewwata 747. Hidhaa Mana Turmaataa

1. Gochoonni dambii darbuu yommuu raawwataman adabbiin bilisummaa dhabsiisuu kan murtaa'u hidhaa mana turmaataa qofa nit a`a.

   Dambii durbuun yommuu irradeddeebi`amutti adabbiin murtaa'uufi adabbii olaanaan tumaaleen addaa seerichaa tuman akkuma eegametti ta'ee /keewwata 769/ yeroon turtii hidhaa mana turmaataa guyyaa tokkoo hanga ji'a sadii ni ta'a.

www.abyssinialaw.com

Manni murtichaa adabbii kan murteessu yeroo gadi aanaa yookiin olaanaa addaa tumaa addaa seericha keessatti ibsame osoo hin darbiin sadarkaa balleessummaa adabamtichaa tilmaama keessa galchuun ni ta'a /keewwata 88/.

2. Tumaaleen korooraan gadi lakkifamuu ilaallatan /keewwata 201-207/ hidhaa mana turmaataaf raawwatiinsa hin qaban.

Keewwata 748. Raawwii Hidhaa Mana Turmaataa Idilee

1. Hidhaan mana turmaataa idilee kan raawwatamu iddoowwan turtii addaa manneen murtii yookiin buufataalee poolisii waliin walqabatanitti ni ta'a. Dhiironniifi dubartoonni itti murtaa'e kan hidhaman garaagara ta'a.

   Yeroo kamiyyuu yoo ta'e namni hidhaa mana turmaataan akka adabamu itti murtaa'e gara mana fooyyessa yookiin sirreessa amalaa akka ergamu; sababa yakkaatiin hidhamtoota hidhaan adabaman waliin akka walmaku taasisuun hin danda'amu /keewwata 746 (1)/.

2. Namni hidhaan mana turmaataa itti murtaa'e hojii dirqamaa akka hojjetu hin dirqisiifamu; gatii hojii argachuufis mirga hin qabu /keewwata 111/.

   Tasgabbiifi nageenyi waliigalaa bakka hidhaa mana turmaataa hanga hin tuqamnetti namni hidhaa mana turmaataa raawwatu nyaata, xalayaafi gaafattoota alaa dhufaniif fudhachuufi simachuu ni danda'a.

Keewwata 749. Hidhaa Mana Turmaataa Mana Jireenyaa Yookiin Jaarmiyaa Keessatti Raawwatamu

1. Haalli dhuunfaa balleessichaa yookiin iddichaa kan hayyamu yommuu ta`u, namni itti murtaa'e mana isaatti, mana nama amanamaatti yookiin dhaabbata miti amantii yookiin amantii kaayyoo kanaaf oolan keessatti hidhaa mana turmaatichaa to'annoo yookiin tarkaanfii eeggannoo gahaa ta`e waliin akka raawwatu manni murtichaa ajajuu ni danda'a.
2. Yeroo humni dandeettiin ol ta'e mudatu irratti dabalataan adabamtichi mana itti hidhame keessaa akka bahuuf kan hayyamamuuf gochoota amantii raawwachuuf, hakiimaan qoratamuuf, yaala barbaachisaa ta'e argachuuf yookiin mana murtiitti dhihaachuuf akka danda'u yeroo dhimma kanaaf gahu qofaaf akka bahu manni murtichaa murteessuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Namni mana isaatii akka hin baane itti murtaa'e nyaata isaa ofumaa of danda'a.

Keewwata 750. Raawwii Adabbii Addaa Loltootaafi Balleessitoota Dargaggoo

1. Sababa dirqama loltummaa isaanii raawwachuu dhabuutiin hidhaan mana turmaataa loltoota irratti kan murtaa'u /keewwata 792/ bu'uura dambii loltummaatiin ta'ee kan raawwatamu naamusaafi to'annoo loltummaa jala ta'uun iddoowwan kaayyoo kanaaf oolanitti ni ta'a.
2. Balleessitoonni dargaggoo ta'an hidhaan mana turmaataa isaan irratti murtaa'e adabbicha kan raawwatan bu'uura haalawwan waa'ee isaaniif addatti tumamaniin hidhaa mana turmaataa mana barumsaatti yookiin manatti taasifamuun /keewwata 161/ yookiin kun kan hin danda'amne yoo ta'e jaarmiyaa, jaarmiyaa tola oolaa yookiin eegumsa nama amanamaa manni murtichaa filate jala ta'eeti.

Hidhaan mana turmaataa murtaa'u qoqqoodamee yeroo gara garaatti akka raawwatamu taasisuun ni danda'ama. Ta'us yeroon hidhaa mana turmaataa kan guyyaa tokkoon tokkoonii sa'aatii sadii gadi ta'uu, walumaagalatti yeroon hidhaa mana turmaataa immoo guyyaa kudha shan caaluu hin danda'u.

Keewwata 751. Bakka Hidhaa Mana Turmaataa Hojii Dirqamaa Murteessuu

1. Adabbii hidhaa mana turmaataa murteessuun yeroo danda'amutti haalawwan dubbichaa yookiin haalawwan raawwii murtichaa kan malan ta'anii yommuu argaman, manni murtichaa balleessichi galii argatu irraa hir'isee mootummaaf galii taasisuu waliin hojii dirqamaa yeroo walfakkaatuuf turu, bilisummaa hir'isu yookiin kan hin hir'ifnetti jijjiiruu ni danda'a / keewwata 103 fi 104/. Dheerina yerichaafi hamma maallaqa hir'ifamuu manni murtichaa murtii isaa keessatti sirriitti ifatti ni murteessa.
2. Tumaaleen keewwata kanaa loltuu dirqama irra jiru yookiin balleessitoota dargaggoo ta'an irratti raawwatamoo hin ta'an.

Keewwata 752. Adabbii Maallaqaa, Haala Idilee

1. Balleessichi irradeddeebi'aa ta'uu yoo baate /keewwata 769/ yookiin tumaan addaa seerichaa adabbii caalaa kan murteesse yoo ta'e malee, adabbiin

www.abyssinialaw.com

maallaqaa dambii darbaa irratti murtaa'u qarshii tokkoo hanga qarshii dhibba sadii gahuu ni danda'a.

Badiin yeroo irradeddeebi`ametti, adabbii cimsuun taasifamu akkuma eegametti ta'ee; dambii darbaan badicha kan raawwate jaalala maallaqaatiin yoo ta'e; adabbiin maallaqichaa hanga qarshii dhibba shanii gahuu ni danda'a.

Manni murtichaa adabbii maallaqichaa yommuu murteessu haala galii balleessichaa, cimina badichaafi sadarkaa balleessummaa isaa tilmaama keessa galchuu qaba /keewwata 90/.

2. Haalawwan isaa yommuu ilaalaman adabbii walitti dabaluun barbaachisaa kan taasisan yoo ta'e; keessumattuu balleessichi badicha kan raawwate jaalala maallaqaatiin yoo ta'e /keewwata 91 fi 92/ yookiin tumaan addaa seerichaa adabbiilee kanneen filannoon kan kaa'e yoo ta'e, adabbiin maallaaqaa hidhaa mana turmaataa waliin walitti dabalamuu ni danda'a.
3. Nama itti murtaa'eef yoo barbaachise idicha qoqqoodee yeroo yerootti akka kaffalu hayyamuun manni murtichaa yeroo kaffaltii hanga ji'a sadii gahuu danda'u murteessuufii ni danda'a. Haalawwan sunis sababa gahaa kan argamsiisan yoo ta`e, manni murtichaa yeroo kaffaltichaa hanga waggaa tokkootti dheeressuu ni danda'a /keewwata 93/.

   Dambii darbaan adabbiin maallaqaa itti murtaa'e hojii gatii walgitu qabu hojjechuun adabbii maallaqichaa akka kaffalu hayyamamuufii ni danda'a /keewwata 95/.
4. Jaarmiyaa namummaan seeraa kennameef ilaalchisee adabbichi adabbii maallaqaa qofa ni ta'a. Tumaaleen seera kanaa keewwata 768 fi 770 akkuma eegamanitti ta'ee adabbiin maallaqichaa qarshii kudhanii hanga qarshii kuma tokkoofi dhibba lamaa gahuu ni danda'a.

Keewwata 753. Haala Adabbiin Maallaqaa Hojii Dirqamaatti Jijjiiramu

1. Adabbiin maallaqichaa yeroo murtaa'e sana keessatti kan hin kaffalamne yoo ta'e, hunda isaa yookiin adabbii maallaqaa hin kaffalamiin hafe galii argatu irraa hir`isuun mootummaaf galii taasisu waliin hojii dirqamaa bilisummaa hir'isu yookiin hin hir'isnetti akka jijjiiramu manni murtichaa ni ajaja.

www.abyssinialaw.com

2. Manni murtichaa bu'uura tumaalee waliigalaa seera kanaa rogummaa qabuun yeroo hojiin dirqamichaa itti turu ni murteessa /keewwata 96 fi 103/.

Keewwata 754. Adabbii Maallaqaa Loltootaafi Balleessitoota Dargaggoo Irratti Murtaa'u Galchuu

1. Loltuun tokko seera idilee darbuun balleessaa kan raawwate yoo ta'e; adabbii maallaqaa isatti murtaa'e yookiin adabbii maallaqaa osoo hin kaffalamiin hafe galchisiisuuf manni murtichaa yeroo murtaa'eef mindaa loltichaa irraa akka hir'ifamu ajajuu ni danda'a.

   Adabamtichi yoo waliigale malee maallaqni hir`ifamu kurmaana mindaa isaa caaluu hin danda`u. adabbichis mana murtiin kan murtaa`u ajajaa loltuu itti murtaa`ee kan dhimmi ilaallatu waliin mari`achuunidha.
2. Dambii darbaan balleessaa dargaggoo yommuu ta'u manni murtichaa cimina badichaa, haala jireenya balleessichaa, akkasumas akeekkachiisummaa adabbichaa tilmaama addaa keessa galchuun adabbii maallaqichaa daangaa malu keessatti ni murteessa.

   Baalleessichi dargaggoon adabbii maallaqichaa kan hin kaffalle yoo ta'e manni murtichaa haala dubbichaatiin kan malu fakkaatee bu'uura itti mul'ateen adabbii maallaqichaa gara hidhaa mana turmaataa dargaggootaaf murtaa'utti ni jijjiira.

Keewwata 755. Beenyaa Miidhaafi Hamilee

Haalawwan dubbichaa rogaqabeessa ta'anii yoomuu argaman miidhamitichi dambii darbuun miidhaa isarra gaheef mirgi beenyaa hamilee yookiin wantoota qabatamaa gaafachuu isaa akkuma eegamettidha /keewwata 101 fi102/.

Kutaa lama

Adabbiilee Dabalataa

Keewwata 756. Akeekkachiisaafi Qeeqa

1. Hidhaa mana turmaataa, hojii dirqamaa yookiin adabbii maallaqaa irratti dabalataan manni murtichaa jechaan yookiin barreeffamaan balleessicha akeekkachisuu, qeequu, itti dheekkamuu yookiin miidhamticha dhiifama akka gaafatu taasisuu ni danda'a /keewwata 122/.

www.abyssinialaw.com

2. Manni murtichaa badiin raawwatame baay'ee salphaa ta'uu isaa kan tilmaame yoo ta'e, yookiin sababa adabbiin itti salphatu kan qabu ta'ee yommuu argu bakka adabbiilee muummee adabbii armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame murteesssuu ni danda'a.

Keewwata 757. Adabbiin Mirga Irraa Mulquu Raawwatamuu Dhabuu

1. Mirga hawaasummaa yookiin maatii, hojii mootummaa yookiin ogummaa hojjechuu irraa mulquun /keewwata 123/ dambii darbuu irratti raawwatamoo hin ta'u.
2. Akkasumas gonfa loltummaa gadi buusuun yookiin miseensummaa raayyaa ittisaa keessaa baasuun /keewwata 127/ loltuu dambii darbe irratti raawwatamaa hin ta'u.

Kutaa Sadi

Tarkaanfilee Eeggannoo

Keewwata 758. Wabummaa Amala Gaarii

1. Wabummaan amala gaarii ajajamuu kan danda'u gochi dambii darbuu nageenya yookiin tasgabbii ummataa irratti yookiin nageenya namootaa yookiin qabeenyotaa irratti irradeddeebi'amee yommuu raawwatamuufi ni deddeebi`ama jedhamee yommuu itti amanamu qofadha /keewwata 134/. Yeroo waggaa tokko caaluuf wabummaa akka kennu taasisuun hin danda'amu.
2. Balleessichi wabummaa kennuu osoo danda'uu kan dide yoo ta'e wabummaa jedhame hanga dhiheessutti yeroo guyyaa kudha shan hin caalleef mana turmaataa idilee /keewwata 748/ yookiin balleessichi loltuu yoo ta'e hidhaa mana turmaataa loltootaa /keewwata 750/ akka turu manni murtichaa ni ajaja.

   Yeroo kanas dheeressuun hin danda'amu.

Keewwata 759. Dhaaluufi Mootummaaf Galii Taasisuu

1. Nageenya, tasgabbii, fayyaa, yookiin jireenya gaarii ummataaf balaafamoo kan ta'an yookiin badii dambii darbuu raawwachuuf akka mijaa'an /gargaaran yookiin ittiin raawwachuuf kan karoorfame yookiin kan ittiin raawwatame mi'oonniifi meeshaaleen balaafamoon akka dhaalaman barbaachisaafi kan malu ta'ee yoo argame; manni murtichaa adabbiilee muummee irratti dabalataan tumaalee

www.abyssinialaw.com

waliigalaa seerichaa hordofuun mi'oonni jedhaman akka dhaalaman murteessuu ni danda'a/keewwata 140/.

Nageenya ummataa eeguuf barbaachisaa ta'ee yommuu argamu eeggannoof jecha mi'ootaafi meeshaalee balaafamoo kanneen dursanii dhaaluun ni danda'ama /keewwata 141/.

2. Akkasumas manni murtichaa mi'oonni yookiin meeshaaleen kunneen mootummaaf galii akka ta'an murteessuu ni danda'a /keewwata 100/.

Keewwata 760. Jaarmiyaalee Dhorkuufi Hayyama Hojii Daangessuu

Badiin dambii darbuu fayyadama hayyama hojii yookiin bulchiinsa jaarmiyaa waliin qunnamtii qabu irradeeddeebi'amee yoomuu raawwatametti waraqaa hayyama hojii deebisanii fudhachuun /keewwata 142 / yookiin jaarmiyaa cufuun yookiin hojii isaa dhorkuun /keewwata 143/ guutummaanis ta'e gartokkeen murteessuun kan danda'amu yeroo murtaa'eef qofadha.

Yeroon murtiilee eeggannoo kanneenii haala kamiiniyyuu ji'a jaha kan caalu ta'uu hin danda'u. Manni murtichaa yeroo turtii tokkoon tokkoon haalichaafi daangaa dubbichaa sirriitti ni murteessa.

Keewwata 761. Haalawwan Gurguddoo Dhaaluufi Dhorkuun Raawwatamoo Itti Ta'an

Tarkaanfileen mi'ootaafi meeshaalee dhaaluu, yookiin mootummaaf galii taasisuu, hayyama deebisanii fudhachuu, jaarmiyaan akka hin hojjenne dhorkuu yookiin cufuu kan murtaa'an keessumattuu:

(a) maallaqa yookiin bulchiinsa/keewwata 784-791/;
(b) sabqunnamtiifi beeksisa/keewwat 804 fi 812/;
(c) meeshaa waraanaafi rasaasota, abidda, wantoota dhohan yookiin balaafamoo ta'an to'achuu /keewwata 808 fi 829/;
(d) hoteelotaafi iddoowwan bashannanaa to'achuu /keewwata 820 fi 821/;
(e) eegumsa fayyaa ummataa to'achuu, keessumattuu kan akka waahiyyoota summaa'aafi adoochaa, qorichoota, alkoolota, dhugaatiiwwan,

www.abyssinialaw.com

nyaatawwan yookiin walumaagalatti mi'oota karaa seeraan alaatiin qopheessuu yookiin daldaluu /keewwata 818 fi 831-834 /;

dhimmoota ilaallatan irratti ni ta`a.

Keewwata 762. Bilisummaa Dhuunfaa Dhorkuufi Hir'isuu

1. Dhorkichi barbaachisaa fakkaatee yommuu itti mul'atu, keessumattuu balleessichi irradeddeebi`aa kan ta'e yookiin irradeddeebi`uun isaa hin hafu jedhamee kan tilmaamame yoo ta'e; iddoowwan gochoota dambii darbuu raawwachuuf mijaa'an yookiin kakaasan tokko tokko akka hin geenye manni murtichaa murteessuu ni danda'a/keewwata 145/.

   Yeroon turtii dhorkichaa murticha keessatti kan murtaa'u yoo ta'u, haala kamiiniyyuu ji'a jaha caaluu hin danda'u.
2. Bakka murtaa'e tokko jiraachuu yookiin oolanii buluu irraa dhorkuun, dirqamni iddoo yookiin naannoo tokkotti murtaa'anii jiraachuu, to'annoo jalatti akka eegamu taasisuun, sanadoota ofiiseelawaa fudhachuun, biyya keessa akka hin jiraanne yookiin biyyaa akka ba'u taasisuuniifi kan kana fakkaatan tarkaanfileen biroon bilisummaa dhuunfaa hir'isan /keewwata 146-150/ dambii darbaa irratti raawwatamoo hin ta'an.

Kutaa Afur

Tarkaanfilee Beeksisuu

Keewwata 763. Abbaa taayitaa Dhimmichi Ilaallatutti Beeksisuufi Murtii Ummataaf Ibsuu

1. Beeksisuun barbaachisaa fakkaatee yommuu argamu hundatti manni murtichaa dhimmicha abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatutti beeksisuu qaba /keewwata 154/.
2. Akkasumas faayidaaleen ummataa yookiin dhuunfaa yommuu dirqisiisan murtichi ummataaf ni ibsama /keewwata 155/.

Keewwata 764. Galmee Yakkamtootaa Irratti Galmeessuu

1. Manneen murtii seenaa himatamtichaa yeroo darbee sirriitti beekuu akka danda`aniif adabbiileen dhumaa dambii darbuu ilaalchisee kennaman tumaalee waliigalaa

www.abyssinialaw.com

seera kanaa hordofuun galmee yakkamtootaarratti akka galmaa'an manni murtichaa ni murteessa /keewwata 156/.

2. Wantoota galmee yakkamtootaarratti galmaa'an nama biroof ibsuun bu'uura tumaalee yakkoota ilaalchisee ibsamaniin kan qajeelfamu ni ta'a /keewwata 156/.

Boqonnaa Lama
Raawwii Adabbii

Keewwata 765. Adabbii Dhorkuufi Korooraan Hiikuun Kan Hin Danda'amne Ta'uusaa

Gochoonni dambii darbuu addummaa amala isaaniirraa kan ka'een mijaa'ina hojmaatichaaf adabbiin isaa akaakuu tokkoofi salphaa ta'ee si'ominaan akka raawwatamu barbaachisaa waan ta'eef adabbiin osoo hin murtaa'iin yookiin osoo hin raawwatamiin dhorkamee akka turu taasisuu akkasumas korooraan hiikuu tumaaleen ilaallatan dambii darbuuf raawwatamoo hin ta'an /keewwata 190 hanga 200/.

Keewwata 766. Adabbii Salphisuu

1. Sababoonni adabbii salphisan kan argaman yoo ta'e /keewwata 745 (1) / bakka hidhaa mana turmaataa balleessichi hojii dirqamaa akka hojjetu yookiin adabbii maallaqaa akka kaffalu manni murtichaa murteessuu ni danda'a. Manni murtichaa adabbii xiqqaa idilee seeraan murtaa'e osoo gadi hin bu`iin murteessuu qaba. Dheerinniifi hammi isaa kan murtaa'u sadarkaa balleessummaa raawwatichaatiin ta'a.
2. Badichi salphaa yommuu ta'etti miidhaan raawwatame xiqqaa ta'ee yommuu mul'atuufi keessumattuu gochichi dambii darbuu badii jalqabaa yookiin ofeeggachuu dhabuun kan raawwatame yoo ta'e; manni murtichaa qeeqa, dheekkamsa yookiin akeekkachiisa fuula duraaf ta'u kennuu qofaan bira darbuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 767. Adabbii Cimsuu Idilee

Sababoonni waliigalaa adabbii cimsan kan mudatan yoo ta'e /keewwata 745(2)/ manni murtichaa adabbicha kan cimsu seerichaan isa murtaa'e osoo hin darbiin ta'a /keewwata 183/.

Keewwata 768. Badiin Yommuu Dachaa Ta'u Adabbii Cimsuu

1. Badiiwwan dambii darbuu qabatamoo ta'an dachaa ta'anii yommuu argaman adabbiin tokkoon tokkoon isaaniif murtaa'e walitti ida'amee ni murtaa'a . Ida'amni adabbiilee adabbii olaanaa idilee keewwata 747 yookiin keewwata 752 jalatti tumame caaluu ni danda'a. Ta'us, adabbiin hidhaa mana turmaataa waggaa tokko, adabbiin maallaqaas qarshii kuma tokkoofi dhibba lama caaluu hin danda'u.
   Jaarmiyaa namuummaan seeraa kennameef ilaalchisee adabbiin maallaqichaa qarshii kuma shan hin caalu.
2. Gocha tokkoon tumaaleen dambii darbuu tokkoo ol yommuu darbamanitti manni murtichaa yaada murtiilee waliigalaa hordofuun adabbicha cimsuu ni danda'a /keewwata 187/.

Keewwata 769. Yommuu Irradeddeebi'ummaa Adabbii cimsuu

1. Badiin dambii darbuu haaraan yommuu raawwatametti badii dambii darbuu akaakuu kamiyyuu darbe ilaalchisee adabbiin murtaa'e guutummaan yookiin gartokkeen yookiin dhiifamaan yookiin darbiinsa yerootiin guyyaa hafaa ta'e irraa eegalee waggaan tokko yoo darbe akka badii irradeddeebi'aatti hin lakkoofsisu.
2. Badiin irradeddeebiin raawwatameera yommuu jedhamutti manni murtichaa gocha dambii darbuu haaraa ilaalchisee adabbii olaanaa idileen hin daangeffamu. Haalawwan dubbichaafi sadarkaan balleessummaa sababa gahaa yommuu argamsiisutti, keessumattuu badiidhuma sana amaleeffachuun kan irradeddeebi`e yoo ta'e, manni murtichaa adabbii olaanaa dambii darbuu adabbiilee adda addaa ilaalchisee ibsame hanga dachaa geessisuu ni danda'a /keewwata 747 fi 752/.

Keewwata 770. Dachaafi Irradeddeebi'uu

Irradeddeebi'ummaafi dachummaan yakkootaa walfaana yommuu argaman adabbichi bu'uura keewwattoota lamaan armaan olitti ibsamaniin ni murtaa'a. Ta'us, hidhaan mana turmaataa waggaa lama; adabbiin maallaqichaa namoota

www.abyssinialaw.com

dhuunfaa ilaalchisee qarshii kuma lamaafi dhibba afur; jaarimiyaa namummaan seeraa kennameef ilaalchisee qarshii kuma kudhan caaluu hin danda'u.

Boqonnaa Sadi

Haalawwan Himannaan Itti Dhihaatu, Himannaafi Adabbiin Itti Dhorkamuufi Hafaa Itti Ta'u

Keewwata 771. Akkaataa Himannaan Itti Dhihaatu

1. Sababa seera dambii darbuu kana yookiin seerota addaa yookiin dambiilee darbuun himannaan kan dhihaatu bu'uura qajeeltoowwan armaan gadiin ta`a.
   (a) gochi dambii darbuu kan raawwatame kabaja qaamaa, kabaja bilisummaa yookiin qabeenya dhuunfaa namaa irratti yoo ta'e; himannichi dhihaachuu kan danda'u, miidhamtichi ofuma isaatii yookiin bakka bu'aa isaa kan bu'uura dambiilee idilee seera hariiroo hawaasaatiin isaaf hayyamameefi dandeettiin kennameef yookiin namni bakka miidhamtichaa mirga qabu iyyannoo dhuunfaa yommuu dhiheeffatudha.
   (b) badiin dambii darbuu seera, ajaja, dambii yookiin qajeelfama bulchiinsaan yookiin abbootii taayitaa kutaa raawwachiistuun bahe cabsuun raawwatamu kamiyyuu kan himachiisuufi kan adabsiisu manni hojii yookiin jaarmiyaan kutichaa iyyannoo dhuunfaa yommuu dhiheeffatu qofadha.
   (c) dhimmoota dambii darbuu biroo hunda ilaalchisee himannicha kan dhiheessu abbaa alangaa ta'ee bu'uura sirna seera falmii yakkaatiin ta'a.
2. badiiwwan dambii darbuu kan loltummaa qofa ta'aniif raawwatamoo kan ta'an dambiilee naamusaa raayyaa ittisaati.

Keewwata 772. Haalawwan Iyyannoon Dhuunfaa Itti Dhihaatu

Himannaan dambii darbuu akka ilaalamuuf iyyannoo dhuunfaa dhiheeffachuun barbaachisaa ta'uun isaa seeraan kan tumame yoo ta'e /keewwata 771/; haalaafi yeroo himannaan itti dhihaatu akkasumas mirga iyyannoo dhiheessuu kan ilaallatan tumaaleen waliigalaa raawwatamoo ni ta'u /keewwata 211-213/.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 773. Darbiinsa Yeroo

Gocha dambii darbuu akaakuu kamiyyuu yoo ta'e osoo himannaan irratti hin dhiyaatiin waggaa tokko yoo darbe; adabbiin murtaa'es osoo hin raawwatamiin waggaa lama yoo darbe darbiinsa yerootiin ni dhorkama. Jalqabamuu, dhorkamuu, addaan cituufi xumura dhumaa darbiinsa yeroo kan ilaallatan tumaaleen waliigalaa /keewwata 219 hanga 222 fi 225-228/ raawwatamoo ni ta'u.

Keewwata 774. Dhiifamaafi Baraarsa

Adabbiilee dambii darbuu bu'uura haalawwan waliigalaa seera yakkaa keessatti tumamaniin dhiifamaan yookiin baraarsaan hafaa akka ta'an taasisuun ni danda'ama /keewwata 229 hanga 231/.

Keewwata 775. Moggaafamuu

Namni adabbiin itti murtaa'e; adabbichi guutummaan yookiin gartokkeen erga raawwatamee yookiin darbiinsa yerootiin erga dhorkamee yookiin dhiifamaan erga haqamee waggaa tokko booda haalduree tokko malee maqaan isaa qulqulluun ni deebi'aaf.

Kitaaba Saddeettaffaa

Kutaa Addaa

Mata Duree Tokko

Badiiwwan Dambii Darbuu Faayidaalee Ummataafi Hawaasummaa Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 776. Tumaa Waliigalaa Badiiwwan Dambii Darbuu Mata Duree Kana Jalatti Ifatti Hin hammatamne Ilaallatu

www.abyssinialaw.com

Namni kamiyyuu haalawwan mata duree kanaan addatti ibsamaniin ala:

(a) amanamummaa mootummaa, maallaqa, badhaadhinaafi amantaa ummatummaa; yookiin
(b) sirna hawaasaa, nageenya, tasgabbii, fayyaafi naamusa gaarii ummataa; yookiin
(c) sirna idilee, nageenya yookiin bilisummaa geejjiba lafarraa, qilleensarraa, lagaafi gaalaanarraa akkasumas qunnamtii poostaafi telekoominikeeshinaa; yookiin
(d) walumaagalatti galii ashuuraafi gibiraa, gumurukaa, dinagdee, nyaata, fayyaa, eegumsa bosonaa yookiin dhimma imaammata mootummaa; ilaalchisee eeguuf, haala gaariin qabuuf yookiin irradeebi'anii dhaabuuf seera, dambii, ajaja, qajeelfama yookiin tarkaanfii eeggannoo abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatuun bahe kan cabse yoo ta'e;

gochichi tumaa seera yakkaan yookiin seera addaan ifa ta`een kan hin adabsiisne yoo ta'e bu'uura tumaalee armaan olitti ibsamaniin adabbii maallaqaa yookiin hidhaa mana turmaataa murtaa'uun ni adabama /keewwata 747 fi 752/.

Keewwata 777. Adabbii Dambii Darbuu Keessatti Hirmaannaa Jaarmiyaan Namummaan Seeraa Kennameef Qabu

1. Itti gaafatamaan yookiin hojjetaan jaarmiyaa namummaan seeraa kennameefii haala hojii jaarmiyichaa waliin walqabateen faayidaa jaarmiyichaa karaa seeraa alaan tarkaanfachiisuuf yaaduun yookiin dirqama seeraa jaarmiyichaa cabsuun; yookiin jaarmiyichatti garmalee meeshummaan fayyadamuun dambii darbummaan /keewwata 32 fi 34/ seera, dambii yookiin qajeelfama cabsuun tumaalee kanaan mata duree ibsaman keessaa tokko yommuu darbu, jaarmiyaan isa mindeesse akka dambii darbaatti lakkaa'amee bu'uura keewwata 752 fi 768-770 seera kanaatiin ibsameen ni adabama.
2. Haala keewwata xiqqaa (1) armaan olii jalatti ibsameen badiin dambii darbuu yommuu raawwatamu gahee hojii gaggeessuu jaarmiyichaa keessatti qabu irraa kan ka'een badicha dambii darbuu keessatti kan hirmaate itti gaafatamaan yookiin

www.abyssinialaw.com

hojjetaan jaarmiyichaa bu'uura tumaalee rogaqabeesa mata duree kana jalatti ibsamaniin ni adabama.

Boqonnaa Tokko

Gochoota Dambii Darbuu Faayidaalee Mootummaafi Ummataarratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Gochoota Dambii Darbuu Amantaa Mootummaaafi Ummataarratti Raawwataman

Keewwata 778. Maallaqa Seera Qabeessa Fudhachuu Diduu

Namni kamiyyuu maallaqa biyyaa gatii seeraan murtaa'e qabu, albuuda yookiin waraqaa irraa hojjetame sababa gahaa osoo hin qabaatiin hin fuudhu kan jedhe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 779. Maallaqni Sobaa Harka Jiraachuu Beeksisuu Dhabuu

Namni kamiyyuu albuudarraa yookiin waraqaarraa kan hojjetame maallaqa sobaa yookiin kan sobatti jijjiirame isa dhugaa itti fakkaatee erga fuudhee booda maallaqni kan sobaa ta'uusaa yookiin sobatti kan jijjiirame ta'uu isaa akka beekeen baattalumatti haalli naannichaa hanga hayyameefiin; kan beeku yoo ta'e bakka irraa dhufe, yoo kana ta'uu baates maallaqni sobaa yookiin sobatti jijjiirame kun harka isa jiraachuu abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatutti osoo hin beeksisiin yookiin maallaqicha dabarsee osoo hin kenniin kan hafe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 780. Safartuuleefi Madaalota Seera Qabeessa Hin Taanetti Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu seera yakkaatiin kan tumameen alatti /keewwata 367/:

(a) qunnamtii daldalaa kanneen biroo waliin taasisu keessatti meeshaa safartuu yookiin madaalaa seeraan qoratamee hin hayyamamne yookiin seera, dambii yookiin qajeelfama dhimma kanaaf bahan waliin kan wal hinsimneen osoo hojjetuu kan argame yoo ta'e; yookiin

(b) walumaagalatti dhimma mirkaneessa sirrummaa safartuuleefi madaalota seera qabeessa, madaalotaafi safartuulee qorachuufi fayyadamuu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbiin dhaaluu kan eegame ta'ee hidhaa mana turmaataan yookiin adabbii maallaqaatiin ni adabama.

Keewwata 781. Waraqaalee Geejjibaa Yeroon Isaanii Darbeen Yookiin Sobaatti Jijjiiramaniin Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu akka dhugaqabeessa yookiin gatiqabeessa taasisee waraqaa yookiin tikeetii geejjibaa ummataa sobatti jijjiirameen yookiin yeroon isaa itti darbeen yookiin itti hojjetameen kan tajaajilame yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 782. Maqaa Kabajaafi Waraqaa Ragaa Waliin Dhahuun Fudhachuufi Itti Tajaajilamuu

Namni kamiyyuu gocha seera yakkaan tumameen ala faayidaa maallaqaa yookiin hamilee hin malle argachuuf karoorfachuun /keewwata 385/:

(a) waraqaa ragaa dandeettii yookiin dippiloomaa yookiin waraqaa ragaa barnootaa yookiin hojii argachuuf jecha qormaata, dorgommii yookiin galmaa'uu irratti gocha waliin dhahuu kan raawwate yoo ta'e; yookiin

(b) dippiloomaa, waraqaa ragaa barnootaa yookiin maqaa kabajaa hin qabne yookiin mirgi isaa hin hayyamneef kan qabu fakkeessee kan dhiheeffate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 783. Niishaanota Siviiliifi Mallattoolee Gonfaa Seeraan Ala Hojjechuu, Isaan Kanaan Daldaluufi Wantoota Kanneen Kaawwachuu

Namni kamiyyuu:

(a) hayyama seera qabeessa osoo hin qabaatiin niishaanota siviilii, madaaliyaawwan yookiin mallattoolee gonfaa kan hojjete yookiin sobatti kan jijjiire yookiin imaanaan kan kaa'e yookiin kan dabarse yookiin ummatatti kan gurgure yookiin kan dhiheesse yoo ta'e;

(b) hojii akkanaatiin niishaanota sobatti jijjiiramaniin yookiin madaaliyaawwaniin yookiin isaanitti tajaajilamuuf mirga osoo hin qabaatiin niishaanotatti yookiin mallatolee addummaatti kan tajaajilame yookiin kan kaawwate yoo ta'e;

adabbiin irraa dhaalamuu osoo hin hafiin adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Kutaa Lama

Badiiwwan Dambii Darbuu Galii Ashuuraafi Gibira, Dhimmoota Faayinaansiifi Bulchiinsaa Irratti Raawwataman

Keewwata 784. Seerota Ashuuraafi Gibiraa Cabsuu

Namni kamiyyuu haalawwan bu'uura keewwata 343-345 seera yakkaa kanaan adabsiisaniin ala:

(a) galii mootummaa keessumattuu ashuura, gibira, gumuruka, poostaafi telekominikeeshina, mirga adamoofi qurxummii qabuu, qabeenyota uumamaa lafarratti yookiin lafa keessatti argamanitti fayyadamuu yookiin mirga kana fakkaataan biroo kamiiniyyuu maddawwan galii; yookiin

(b) tambeera, beeksisoota maxxanfaman, ashuuraa, galmeeffama, jijjiirraa maqaafi kanneen amala akkanaa qaban maallaqni kan ittiin kaffalchiifamu

www.abyssinialaw.com

ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatuun bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 785. Warqii, Maallaqa Callaafi Sharafa Biyya Alaatiin Hojii Seeraa Alaa Hojjechuu Ilaalchisee Seera Bahe Cabsuu

Namni kamiyyuu haala seera yakkaa keewwata 346 jalatti ibsameen ala haala murtaa'een, daangaan, to'annoon yookiin eegumsa addaatiin, qabeenya biyyaa yookiin biyya alaa kan ta'e hojiin daldalaa yookiin sharafni ittiin raawwatamu warqii yookiin maallaqa callaa akaakuu kamiyyuu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba sadii hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

Keewwata 786. Eegumsa Albuudota Gatii Guddaa Qaban Ilaalchisee Seerota Bahan Cabsuu

Namni kamiyyuu haalawwan bu'uura seera yakkaa keewwata 347 tiin adabsiisaniin ala eegumsa, to'annoo, abbaa qabeenyaa ta'uu, bittaa yookiin gurgurtaa albuudota gatii guddaa qabanii ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 787. Seerota Sanadoota, Aksiyoonota Yookiin Waraqaalee Dirqamaa Daddarban Ilaallatan Cabsuu

Namni kamiyyuu seera, dambii yookiin qajeelfama sanadoota daddarban kan akka cheekii, waraqaa hawaalaa fakkaatan, akkasumas aksiyoonota yookiin waraqaalee dirqamaa kan kubbaaniyyoota daldalaa yookiin industirii ilaallatan kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 788. Seerota Qusannaafi Baankiiwwan Ilaallatan Cabsuu

Namni kamiyyuu hundeeffamuu, banamuu, bulchiinsaafi to'annoo dhaabbilee yookiin kubbaaniyyoota bankii, dhaabbilee yookiin kubbaaniyyoota liqeessitoota ta'an, yookiin fandiiwwan yookiin ummanni maallaqa yookiin qusannaa akka kaawwatu yookiin hojii baankii yookiin jaldhaaba maallaqaa (stock exchange) keessatti akka hirmaatu jaarmiyaalee mootummaa yookiin dhuunfaa waamicha taasisan kan ilaallatu seera, dambii yookiin qajeelfama kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 789. Seerota Lootariiwwaniifi Walmorkiiwwan Ilaallatan Cabsuu

1. Namni kamiyyuu:
   (a) abbaa taayitaa dhimmi ilaallatu irraa hayyama osoo hin argatiin bu'aa argachuuf jecha lootariiwwan, taphawwan walmorkii akka ogummaatti qabaman ifatti kan hundeesse; yookiin
   (b) bu'aa argachuuf jecha hayyama malee addabaabayiitti yookiin iddoo ummataaf banaa ta'etti, yookiin bakka walga'iif qophaa'etti tapha tirgaa yookiin walmorkiiwwan yookiin taphoota carraa biroo kamiiniyyuu mootummaan dhorkaman hundeessee kan daldale yookiin; tapha yookiin morkii akkanaa keessatti kan hirmaate; yookiin
   (c) karaa biroo kamiiniyyuu seera, dambii yookiin qajeelfama rogummaa qabu kan cabse yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.
2. Kaayyoo faayidaa ummataaf yookiin gocha tola ooltummaaf jecha lootariiwwaniifi walmorkiiwwan bu`uura seeraatiin hundeeffaman kan adabsiisan miti.

Keewwata 790. Seerota To'annoo Gatii Ilaallatan Cabsuu

Namni kamiyyuu:

(a) sibiilota, mi`oota daldalaa, oomishaalee, mi'oota akaakuu kamiyyuu dhuunfataan(monopoly) qabaman yookiin hin qabamne tarreeffama gatii

www.abyssinialaw.com

mootummaan murtaa'e haala sirrii ta'een maxxanfamee bahe caalchisee kan gurgure; yookiin

(b) seeraan kan ajajame yookiin hayyamame keessumattuu gatii liizii tajaajila qabeenyaa yookiin kiraa akaakuu biroo kamiifuu murtaa'ee ol kan kaffalchiise yookiin kan gaafate; yookiin

(c) karaa biroo kamiiniyyuu shallaggii gatii kan ilaallatu seera, dambii yookiin qajeelfama rogummaa qabu kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 791. Seerota Hojiiwwan Daldalaafi Ogummaa Hundeessuu, Adeemsisuufi To'achuuf Bahan Cabsuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa kanaan yookiin seerota hojiiwwan ogummaa yookiin daldalaa adda ta`aniif tumamaniin haala adabsiisuun ala jaarmiyaalee industiriifi daldalaa, artiiwwan, ogeessota, hojiiwwan yeroo yookiin weeyitawaa yookiin waldaalee ogummaafi waldaalee akaakuu kamiyyuu seera, dambii yookiin qajeelfama hayyamuuf, dandeettii barbaachisuuf, galmeessuuf, hojii isaanii adeemsisuuf yookiin to'achuuf bahe kan darbe yoo ta'e; adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Boqonnaa Sadi

Dirqamoota Loltummaa Cabsuufi Badiiwwan Dambii Darbuu Raayyaa Ittisaa, Akkasumas Poolisiirratti Raawwataman

Keewwata 792. Badiiwwan Dambii Darbuu Loltummaa Murteessuu

Yakkoota loltummaa ilaalchisee tumaalee seera yakkaa kana keessatti /keewwata 284-325/ haalawwan tumamaniin ala, dirqamoota loltummaa cabsuufi badiiwwan naamusa loltummaa irratti raawwataman, ajajaafi dambii abbaa taayitaa raayyaa ittisaa dhimmi ilaallatu baasuun ni murtaa'u.

Keewwata 793. Adabbiilee Naamusaa Loltummaa

1. Yakka loltummaan balleessaa ta'ee kan argame miseensi raayyaa ittisaa gonfa qabu kamiyyuu yookiin namni biroo raayyaa ittisaa keessa kan hojjetu kamiyyuu, booji'amaan yookiin to'atamaan waraanaa dambii raayyaa ittisaa rogummaa qabu keessatti adabbii naamusaa ibsameen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

2. Haalawwan addaa isaaniif addatti tumaman malee /keewwata 319 fi 754/ namoonni kunneen yakkoota idilee kan raawwatan yoo ta'e; adabbiilee idilee tumaalee idilee keessatti ibsamaniin ni adabamu.

Keewwata 794. Badiiwwan Dambii Darbuu Raayyaa Ittisaarratti Raawwataman

Badiin miseensa raayyaa ittisaa yookiin raayyaa ittisaa yookiin tajaajilawwan isaaniin walqabatan irratti raawwatamu kamiyyuu akkasumas faayidaalee isaan kanaa ilaalchisee dambiilee, ajajoota, tarkaanfilee eeggannoo abbaa taayitaa loltummaa dhimmi ilaaluun bahan cabsuun yakkaan kan adabsiisu yoo ta'e malee dambii darbuun adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabsiisa.

Keewwata 795. Dambichi Raayyaa Poolisiif Raawwatamaa Ta'uusaa

1. Qajeeltoowwan armaan olitti ibsaman, dirqama poolisiifi yeroo dirqamarra jiran nageenya isaaniif malu ilaalchisee dambiilee tumaman irratti adabbiilee dambii darbuu raawwataman ilaalchisees raawwatamoo ni ta'u.
2. Hojii miseensonni poolisii akka hojjetaa mootummaa ta'anii raawwatan tumaaleen ilaallatan akka eegamanittidha.

Boqonnaa Afur

Badiiwwan Dambii Darbuu Dirqamoota Hojii Mootummaafi Manneen Hojii /Abbaa Taayitaa/ Mootummaarratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Badiiwwan Dambii Darbuu Dirqamoota Hojii Mootummaarratti Raawwataman

Keewwata 796. Aangootti Garmalee Fayyadamuu

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu seera yakkaa keewwata 407 tiin kan adabsiisuun ala, aangoo kennameefirra ol dabarsee kan hojjete yookiin seeraa ala aangoo isaatti kan fayyadame yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

Keewwata 797. Mirga Dirqisiisuu Hammasaarra Dabarsuu

Haalawwan bu'uura seera yakkaa keewwata 422-424 tiin adabsiisaniin ala mana sakatta'uu, mi'a qabuu yookiin dhaaluu, saamsuu yookiin saamsa kaasuu, qaama sakatta'uu yookiin qorachuu, nama qabuu, hidhuu, to'annoo jala oolchuu, jecha qorannaa fuudhuu yookiin gocha biroo kana fakkaatu kamiyyuu akka raawwatu hojjetaan mootummaa aangoon seeraan kennameef aangoo isaa kana keessumattuu tooftaa aarsu, gaddisiisu, sirna gaarii kan hin hordofne yookiin sirrii kan hin taane fayyadamuun seeraan ala kan itti tajaajilame yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 798. Haqummaa Hir'isuu

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu haalawwan bu'uura seera yakkaa keewwata 411-419 tiin adabsiisaniin ala gocha haqummaa hin qabne raawwachuuf jecha aangoo kennameefitti garmalee kan fayyadame yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 799. Gargaarsa Loogii Qabu Kennuu

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 408, 409 fi 414n haala adabsiisuun ala, faayidaa dhuunfaa isaaf jecha nama dhimma isa biraa qabu yookiin aangoo isaa jala jiru loogiin kan gargaare yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

Keewwata 800. Waraqaalee Ofiiseelawaa Mana Hojii Mootummaan Kennaman Maalnadhibdeen Kennuu

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu:

www.abyssinialaw.com

(a) tooftaa mirkaneessa eenyummaa nama tokkoo baratame hunda fayyadamee eenyummaa nama sanaafi sanada yookiin waraqaa ofiiseelaa jedhame sana fuudhuuf mirga fudhachuu isaa dursee osoo hin mirkaneeffatin nama hin beekamneef waraqaa haadarbuu /Passport/, waraqaa eenyummeessaa, hayyama, garagalcha riikoordii yakkamtootaa, waraqaa ragaa amala gaarii yookiin ragaa hiyyummaa yookiin walumaagalatti sanada yookiin waraqaa ragaa ofiiseelawaa eenyummaa nama tokkoo ibsu kan kenne; yookiin

(b) namni biroo abbaa sanadichaa kan hin taane yookiin sanadichatti fayyadamuuf mirga kan hinqabne ta'uusaa osoo beekuu sanada yookiin waraqaa ofiiseelawaa akaakuu akkanaatti akka fayyadamu kan hayyame yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a sadii hin caalleen ni adabama.

Keewwata 801. Dhimmoota Salphaa Ta'an; Adabbiilee Sirnaa (Naamusaa)

Hojjetaan mootummaa tokko yommuu hojii mootummaa raawwatu badii dambii darbuu salphaa kan raawwate yoo ta'eefi manni murtichaas badii kanaaf tarkaanfii naamusaa fudhachuu qofti gahaa ta'ee yoo itti mul'ate adabbii seera kana keessatti ibsame dhiisuun sababa adabbii kanaaf isa qaqqabsiise ibsuun adabbii naamusaa yookiin bulchiinsaa isatti fakkaate akka itti murteessuuf nama dambii darbe hogganaa kutaa bulchiinsaatti ni dabarsa.

Kutaa lama

Badiiwwan Dambii Darbuu Mana Hojii Mootummaa Irratti Raawwataman

Keewwata 802. Beeksisoota Ofiiseelawaa Miidhuu

Namni kamiyyuu seera yakkaa kana bu`uura keewwata 432tiin haalawwan adabsiisaniin alatti, beeksisa yookiin ibsa /placards/ ofiiseelawaa addabaabayiitti maxxanfame bakka isaatii kan kaase, kan tarsaase, kan balleesse, kan haqe, kan laaqe, itti yaadee kan miidhe yookiin kan xureesse yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa guyyaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 803. Ibsoota Ofiiseelawaa Dirqisiisaa Ta'an Yookiin Wantoota Galmaa'an Kennuu Dhiisuu Yookiin Galmeessuu Dhiisuu

1. Namni kamiyyuu bu`uura seera yakkaa keewwata 434 tiin yookiin bu`uuruma seera addaa kan birootiin haalawwan adabsiisaniin alatti, ibsa yookiin wanta ofiiseelawaa galmaa'uu qabu kennuu yookiin galmeessisuun isarraa eegamu yeroo seeraan murtaa'e keessatti osoo hinkenniin yookiin hin galmeessisiin kan hafe yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa guyyaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

2. Dhimmoota fayyaa ilaallatan irratti ibsawwan ogummaa kennaman kan ilaallatu tumaan addaa /keewwata 835/ akkuma eegamettidha**.**

Keewwata 804. Beeksisa Hin Malle

Namni kamiyyuu bu`uura seera yakkaa keewwata 435 fi 451 tiin haalawwan adabasiisaniin alatti seera ofiiseelawaa gahee hojii, mariiwwan, yookiin murteewwan mana hojii mootummaa tokko ibsuu dhorku kan darbe yoo ta'e adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 805. Aangoo Hin Qabnetti Fayyadamuu

Namni kamiyyuu seera yakkaa keewwata 436tiin haalawwan adabsiisaniin ala; aangoo bu`uura seeraan dhabe yookiin nama biraaf dabarse yookiin murtiin yeroof kan dhorkame yookiin gonkumaa kan dhorkame akka jiru taasisuun beekaa kan itti fayyadame yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 806. Abbaa Taayitaa Gargaaruu Diduu

Namni kamiyyuu bu`uura seera yakkaa keewwata 440 tiin haalawwan adabsiisaniin alatti dirqama hojii isaa raawwachaa osoo jiruu hojjetaan mootummaa tokko kaayyoo murtaa'e tokkoof keessumattuu jeeqama nageenya ummataa, raawwii yakkaa, yookiin miliquu yakkamaa ittisuuf kan gargaaru, deeggarsa yookiin gargaarsa baay'ee barbaachisaa akka kennuuf yommuu waamu yookiin gaafatu wanti humnaa ol ta'e osoo isa hin qunnamiin yookiin deeggarsa gaafatame osoo kennee mataa isaa irratti yookiin qabeenya isaa irratti balaan qaqqabsiisu osoo hin jiraatiin kan dide yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 807. Ajaja Raawwachuu Dhabuu

1. Namni kamiyyuu bu`uura seera yakkaa keewwata 440tiin haalawwan adabsiisaniin alatti:
   (a) maqaa isaa yookiin eenyummaa isaa akka himu, hojii yookiin ogummaa, bakka jireenyaa, teessoo yookiin haala dhuunfaa isaa kan ilaallatu dhimmoota kan biroo tarreessuun akka ibsu;
   (b) akka dhaabbatu yookiin socho'u /deemu, daandii darbiinsa ummataa akka gadi lakkisu, sanadoota qabate, meeshaalee imalaa yookiin wantoota shakkisiisaa ta'an kamiyyuu akka sakattaasisu yookiin ajaja kana fakkaatu kan biroo kamiyyuu akka raawwatu hojjetaa mootummaa dirqama hojii isaa bahaa jiruun yommuu gaafatamu yookiin ajajamu hayyamamaa kan hintaane yoo ta'e;

   adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

2. Namni kamiyyuu dhimma keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (a) jalatti ibsame ilaalchisee odeeffannoo hin taane kan kenne yoo ta'e adabbii walfakkaatuun ni adabama;

Boqonnaa Shan

Badiiwwan Dambii Darbuu, Nageenya, Nagaafi Tasgabbaa`anii Jiraachuu Ummataa Irratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Badiiwwan Dambii Darbuu Nageenya Ummataa Irratti Raawwataman

Keewwata 808. Meeshaalee Waraanaafi Rasaasota To'achuu

Namni kamiyyuu bu`uura seera yakkaa keewwata 481tiin haalawwan adabsiisaniin ala:
   (a) meeshaalee dhukaasaa yookiin meeshaalee waraanaafi rasaasota kan biroo hojjechuu, oomishuu, jiraachuu isaanii beeksisuu, qabachuu, dabarsanii kennuu, to'achuu,isaaniin daldaluu yookiin itti tajaajilamuu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama kan darbe yookiin;
   (b) nama hin hayyamamneef keessumattuu ijoollee umuriin isaanii gaa`elaaf hin geenyeef osoo beekuu meeshaalee waraanaa yookiin rasaasawwan kan gurgure yookiin dabarsee kan kenne yookiin hordoffii barbaachisaa osoo hin taasisiin akka itti fayyadamu kan hayyame yoo ta'e;

   adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 809. Meeshaa Waraanaa Dhorkamaa Qabachuufi Kanumaan Fayyadamuu

Namni kamiyyuu meeshaa waraanaa akka qabaatu yookiin akka qabatu hin hayyamamneef addabaabayiitti yookiin bakka ummanni jirutti qabatee yoo argame yookiin kan hayyamameef yoo ta'es yeroo yookiin bakka dhorkametti meeshaan kan fayyadame yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko gahuun yookiin hidhaa mana turmaataa hanga guyyaa saddeet gahuun ni adabama**.**

Keewwata 810. Lammiiwwan Biyya Alaa To'achuu

Namni kamiyyuu bu`uura seera yakkaa keewwata 243tiin kan adabsiisuun ala, daddarbuu lammiiwwan biyya alaa /transit/, biyya keessa galuu beeksisuu, yeroo murtaa'eef yookiin hin murtoofneef jiraachuu yookiin to'annoo seera, dambii yookiin qajeelfama ilaallatu kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 811. Hayyama Malee Maqaa Jijjiiruu Yookiin Maqaa Birooon Waamamuu

1. Namni kamiyyuu eenyummaa isaa dhoksuuf yookiin to'annoo abbaa taayitaa dhimmi ilaalu jalaa miliquuf yaaduun karaa seeraa alaan maqaa sobaa ofii kennee, maqaa isaa isa dhugaa kan jijjiire yookiin sanumarratti maqaa biroo kan dabale yookiin maqaa nama biroon kan fayyadame yoo ta'e;
   adabbii maallqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.
2. Itti fayyadamni maqaa dhugaa hin taane kan ogummaa, ogbarruu, yookiin kan kana fakkaatu seera qabeessa ta'e yookiin maqaa masoo barmaatileen beekamu bu'uura keewwata kanaatiin kan adabsiisu miti.

Kutaa Lama

Badiiwwan Dambii Darbuu Nageenya, Tasgabbiifi Sirna Ummataarratti Raawwataman

www.abyssinialaw.com

Keewwata 812. Seera Sabqunnamtiifi Beeksisa Eeguu Ilaalchisee Bahe Cabsuu

Namni kamiyyuu sanadoota maxxanfaman, beeksisoota ummataa, barreeffamootaafi fakkiiwwan addabaabayiitti maxxanfaman yookiin ergaa raadiyoon, televiziyoonaan, interneetiin yookiin sabqunnamtii biroon darbu maxxansiisuu, beeksisuu, kuusuu, gurguruu, raabsuu yookiin to'achuu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan darbe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 813. Ibsawwan, Oduu Yookiin Beeksisoota Naasisan

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 485 fi 486 tiin haalawwan adabsiisaniin ala, jireenya gaarii yookiin tasgabbii ummataa jeequuf kan karoorfaman yookiin jeequu kan danda'an oduuwwan sobaa, arbeeffaman, yookiin waldhahan kan ibse, kan tamsaase, abbaa taayitaatti kan beeksise, yookiin kan iyyate yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 814. Mallattoo Balaa Sobaa Kennuu

Namni kamiyyuu waamicha gargaarsaa barbaachisaa hin taane beekaa taasisuun yookiin ergaawwan sobaa dabarsuun:

(a) manneen hojii tajaajilaa yookiin qajeelchota gargaarsaa, tajaajilawwan geejjibaa, yaalaa yookiin balaarraa baraarsan, poolisii, ittisa balaa ibiddaa yookiin tajaajilawwan biroo kan kana fakkaatan; yookiin

(b) hakiimoota yookiin namoota hojii yaalaa hojjetan;

waamicha kanaaf akka socho'an kan taasise yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa guyyaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 815. Hojii, Nagaafi Boqonnaa Kanneen Biroo Jeequu

1. Namni kamiyyuu keessumattuu lola yookiin jeequmsa kaasuun, iyyaan, sirbaan, didichuufi wacaan mallattoolee sagalee iyyaa kennaniin, wantootaan, yookiin bilbilaan /bell/, konkolaattota iyyaniin, meeshaalee yookiin mi'oota sagalee kennan

www.abyssinialaw.com

biroon seeraan ala tajaajilamuun hojii, boqonnaa yookiin nageenya namoota biroo kan jeeqe yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen ni adabama.

2. Iyyichi yookiin jeequmsichi kan raawwatame bu'uura dambii poolisiitiin yookiin barmaatileen murtaa'een halkan yoo ta'e, yookiin dhiheenya hospitaalotaa, manneen barnootaa yookiin dhaabbilee kana fakkaatan yoo ta'e; yookiin walumaagalatti itti yaadamee hammeenyaan yookiin dabaan kaka'uun kan ta'e yoo ta'e;

manni murtichaa adabbii maallaqaa yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko gahuu danda'u murteessuu ni danda'a.

Keewwata 816. Haasawaa Amantii Arrabsuufi Salphisuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 492 fi 493 tiin haala adabsiisuun ala, iddoo ummanni arguufi dhagahuu danda'utti mallattoon yookiin haasawaan amantii, sirna amantii, mallattoolee yookiin tajaajiltoota amantii haala tuffachiisu kan agarsiise, kan arrabse, kan salphise yookiin haala miira yookiin waaqeffannaa nama biroo tuquun kan dubbate yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 817. Guyyaa Ayyaanaa Kabajuu

Namni kamiyyuu dirqamaan akka kabajaman seeraan kan murtaa'an akkaataa kabaja ayyaanotaa eeguu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa guyyaa saddeet hin caalleen ni adabama.

Keewwata 818. Balaa Alkooliin Qaqqabsiisu Ittisuu

Namni kamiyyuu seera yakkaan kan tumameen ala:

www.abyssinialaw.com

(a) dhugaatiiwwan alkooliifi ispiirtoo qaban warshaatti hojjechuufi isaan kanaan daldaluu ilaalchisee seera, ajaja, yookiin dambii to'annoo bahe kan darbe yoo ta'e;

(b) sa'aatii yeroo seeraan hayyamameen ala ta'etti manneen daldalaa ummataaf banaman keessatti dhugaatiiwwan alkoolii kan gurgure, kan bite, kan dhuge yoo ta'e;

(c) dhugaatiiwwan alkoolii qaban namoota gaa`ela hin geenyeef, sammuun isaanii sirrii ta`uu dhabuu isaatiin itti gafatamummaa guutuun kanneen hin gaafatamneef yookiin baay'ee machaa'uun isaaniifi balaafamoo ta'uun isaanii ifatti kan mul'ataniif baay'ina hammaa ol ta'e iddoowwan ummataaf banaa ta'anitti kan gurgure, kan kenne yookiin kan dhiheesse, akka itti kennamu yookiin akka itti gurguramu kan taasise yoo ta'e;

(d) addabaabayii ummanni itti walga`utti yookiin bakka ummataaf banameefi ummanni argutti itti yaadee namni biroo akka machaa'u kan amansiise nama biroo kan macheesse yookiin ofiisaa kan machaa'e yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 819. Machaa'uun Yookiin Wanta Sammuu Jeequ Dhamdhamuun Ummata Jeequu

Namni kamiyyuu addabaabayii ummataatti hojii nama qaanessuufi salphisu kan raawwate, haasawaa sodaachisuu kan dubbate yoo ta'e;

adabbiileen eeggannoo eegumsa tasgabbii gama kutaa bulchiinsaan irratti raawwatamuu qaban kan irratti raawwataman ta'uun isaanii osoo hin hafiin adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa guyyaa saddeet hin caalleen ni adabama.

Keewwata 820. Manneen Nyaataafi Dhugaatii Eeguufi To'achuu

Namni kamiyyuu abbaa manaa, hojii gaggeessaa, abbaa qabiyyee yookiin eegduu mana dhugaatii, mana nyaataa, mana ciisichaa, yookiin hoteelaa kamiyyuu ta'e manneen daldalaa kanaaf seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kamiiniyyuu kan darbe yoo ta'e, keessumattuu,

www.abyssinialaw.com

(a) mirga daldalichaatti fayyadamuu, sirna adeemsa daldalichaafi mirkaneessa tajaajila daldalichi hawaasaaf kennu; yookiin

(b) seera, dambii yookiin qajeelfama haala sa'aatii daldalichi itti banamu yookiin itti cufamu yookiin to'annoo biroo kamiyyuu ilaalchisee bahe kan darbe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 821 Manneen Tiyaatiraafi Bakkawwan Bashannana Ummataa Eeguu

Abbaan qabeenyaa, gurmeessaan, hojii gaggeessaan, abbaan qabiyyee, dursaan /director/ yookiin bakka bu'aan mana siniimaa, mana tiyaatiraa yookiin mana bashannana ummataa akaakuu kamiyyuu seera, dambii yookiin qajeelfama manneen siniimaa, manneen tiyaatiraa yookiin manneen bashannana ummataa akaakuu kamiyyuu ilaalchisee bahe kan darbe yoo ta'e; keessumattuu:

(a) hojicha hundeessuu yookiin ummatatti agarsiisuuf hayyama argachuu yookiin seera kana keewwata 826n kan ibsameen ala nageenya isaaniifi akkaataa gaggeessa hojii isaanii ilaalchisee; yookiin

(b) waa'ee naamusa gaarii, faayidaa sirna ummataa yookiin daa'immaniifi dargaggoota gaa`ela hin geenye eeguu, dhimma qorannoofi mirkaneessa duraa hundaa'e; yookiin

(c) iddoowwan bashannana ummataa kan akka tiyaatiraa, siniimaa, fiilmiin itti agarsiifaman, sa'aatii itti banaman, itti cufaman yookiin agarsiisni bashannanaa itti dhihaatan yookiin iddoowwan yookiin dhaabbattoota kana to'achuuf seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan darbe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 822. Beelladoota Haala Suukanneessaan Dararuu

Namni kamiyyuu:

(a) addabaabayii ummanni walgahutti, mana ummataaf banametti yookiin bakka ummatatti mul'atutti sababa maluufi mirga osoo hin qabaatiin beelladoota irratti gocha garajabinaa kan raawwate, haala badaan kan dhamaase yookiin kan darare yookiin hojii garajabinaa suukanneessaa ta'e kan raawwate yoo ta'e;

www.abyssinialaw.com

(b) haala beelladoonni garajabinaan itti dararaman, qaamni isaanii muramee itti hir'atu yookiin garajabinaan itti ajjeefaman kan itti agarsiifamu qopheessee ummatatti agarsiisuuf beelladoonni akka wal waraanan kan taasise yookiin waraana beelladoota qabaman waliin taasifamu kan qopheesse yookiin beelladoota qabaman irratti didhoo kan dhukaase yookiin hojiin akaakuu akkanaa kan itti agarsiifamu kan gurmeesse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Kutaa Sadi

Dambii Darbuu Tasgabbii Ummataa Irratti Raawwatamu

Keewwata 823 Jireenya Nagaa Namootaa Tuquu

Namni kamiyyuu seera yakkaa keessatti haala tumameen ala:

(a) saree hamaa yookiin balaafamaa ta'e yookiin bineensa akaakuu biroo kakaasuun;

(b) mana namaarratti dhakaa darbachuun yookiin mi'oota jaboofi qara ta'an namarra buusuun yookiin madeessuuf, miidhuuf yookiin balaa qaqqabsiisuuf kan danda'u wanta akaakuu kamiyyuu buusuun yookiin darbachuun;

(c) poolisiitti osoo hin beeksisiiniifi osoo hin hayyamsiisiin yookiin akeekkachiisa kan ta'u maallattoo barbaachisaa ummataaf osoo hin taasisiin kiyyoo diriirsuun yookiin meeshaa akeekkachiisaa yookiin meeshaa biroo balaafamaa ta'e kamiyyuu iddoo kamiyyuu kaa'uun nama biroo balaaf kan saaxile yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 824 Namoota Yookiin Beelladoota Balaafamoo Ta'an Irratti To'annoo Barbaachisaa Taasisuu Dhabuu

Namni kamiyyuu:

(a) dhukkubsattoota maraatummaan hidhaman, itti gaafatamummaa guutuun gaafatamuu kan hin dandeenye, dhugaatii alkooliin yookiin wantoota fajaajessaniin kan summaa'an yookiin beelladoota yookiin bineensota

www.abyssinialaw.com

sababa balaafamummaa isaaniin mana eegumsaa isaan kanaaf qophaa'etti hidhaman akkasumas hammeenya, balaafamummaa, amala ciniinuu yookiin waraanuu kan qaban eeguufi jireenya isaanii to'achuuf seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan darbe yoo ta'e;

(b) namoonni yookiin beelladoonni akaakuu akkanaa iddoo itti eegamanii kan badan yookiin kan miliqan ta'uu isaanii itti yaadee abbootii taayitaatti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko gahuu danda'uun ni adabama.

Keewwata 825. Darbiinsa Sa'aatiifi Halkan Naanna'uu To'achuu

Namni kamiyyuu darbiinsa sa'aatii halkanii, halkan naanna'uu dhorkuu yookiin daangessuu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama abbaa taayitaa dhimmi ilaallatuun bahe kan hin kabajne yoo ta'e;

adabbii maallaqaa qarshii dhibba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa ji'a tokko hin caalleen ni adabama.

Keewwata 826. Hojiilee Gamoo To'achuu

Namni kamiyyuu seera yakkaa keewwata 501tiin haala adabsiisuun ala:

(a) gamoowwan ummataa yookiin kan dhuunfaa kanneen ta'an kamiyyuu; ijaaruu, ofeeggannoon qabachuu, haaromsuu, suphuu yookiin diiguuf; yookiin

(b) iddoowwan walga'ii ummataa, galmoota, iddoowwan agarsiisa tiyaatiraafi bashannanaaf yookiin walga'iif tajaajilan, yookiin meeshaalee iddoowwan kanaaf mijeeffaman yookiin nageenya gamoowwan jireenyaa, daldalaa yookiin industirii eeguuf seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 827. Daandiiwwaniifi Bakkawwan Walga'ii Ummataa To'achuu

Namni kamiyyuu nageenya ummataa keessumattu:

(a) dambiilee rogummaa qaban kabajuu dhabuun yookiin tarkaanfilee eeggannoo barbaachisoo ta'an osoo hin fudhatiin mi'oota, kosii, haraa

www.abyssinialaw.com

yookiin wantoota biroo balaa hin tuffatamane geessisuu yookiin gufuu ta'uu danda'an akaakuu kamiyyuu iddoo ummanni irradeddeebi'u yookiin walga'ii ummataaf banaa ta'etti kaa'uun, rarraasuun, urgufuun yookiin gatuun, yookiin

(b) wantoota gate yookiin kaa'e kanneen yookiin qotaawwan, ijaarsawwan yookiin hojiiwwan iddoo akkanaa kaa'e kana jiraachuu isaanii kan agarsiisan mallattoolee akeekkachiisaa yookiin ibsaa kaa'uu dhibaa'uun yookiin haalli dirqisiisaan osoo hin jiraatiin yookiin sababa gahaa malee ibsaawwan faayidaa ummataaf jecha dhaabaman kaasuun yookiin tajaajila isaan kennan gidduu seenuun nageenya ummataa balaaf kan saaxile yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 828. Nageenya Qunnamtii Balaarra Buusuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 505-513 tiin haalawwan adabsiisaniin ala lafoowwan, beelladoota yookiin konkolaattota akaakuu kamiyyuu ilaalchisee hayyama naanna'uu, haalaafi to'annoo, akkasumas konkolaataan jiraachuu beeksisuu, qabiinsa, haaromsaafi itti fayyadama ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 829. Ibidda, Dhukaatotaafi Waahiyyoota Balaafamoo To'achuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 494-500 tiin haalawwan adabsiisaniin ala:

(a) dirqama gubiinsa yookiin balaa ibiddaa to'achuufi keessumattuu sarara elektirikaa yookiin kanneen kana fakkaatan biroo diriirsuu, aara baaftuu, geemmoowwan, danfistoota bishaanii yookiin mi'oota biroo, ibiddaan tajaajilan balaa akka hin qaqqabsiisne adda baasuufi haguuguu, haala barbaachisuun qabuufi suphuu kan ilaallatu seera, dambii yookiin qajeelfama kan cabse yoo ta'e; yookiin

(b) damaamitoonni, boombiiwwan, moortaarota, richitiiwwan gammachuu iddoowwan murtaa'anitti akka hin dhoone kan dhorku yookiin dhukaasawwan kana fakkaatan yommuu raawwataman eeggannoon

www.abyssinialaw.com

barbaachisaa ta'e akka taasifamu kan dirqisiisu yookiin wantoota boba'an darbachuu yookiin wantoota dhohan yookiin boba'an karaa kana fakkaatuun fayyadamuu, wantoota balaa ibiddaa qaqqabsiisuu danda'an bakka hin malletti gatuu kan dhorku seera, dambii yookiin qajeelfama kan cabse yoo ta'e; yookiin

(c) zayitootaafi zayitoota boba'aa, akkasumas bu'aa isaan kanaa, baarudaafi wantoota dhohan, boba'an, summaa'an, qorqan yookiin waahiyyoota balaafamoo ta'an kamiyyuu oomishuu yookiin qopheessuu, qabuu, akkaataa qabiinsaa, geejjibuu, bituu, faayidaarra oolchuu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Boqonnaa Jaha

Badiiwwan Dambii Darbuu Fayyaa Ummataafi Eegumsa Qulqullinaa Irratti Raawwataman

Keewwata 830 Fayyaafi Fayyummaa Ummataa To'achuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 514-524 tiin haalawwan adabsiisaniin ala:

(a) eegumsa qulqulliinaafi fayyummaa bishaaniifi sararoota tajaajila bishaaniif diriiran yookiin hojiiwwan qabatamoo kana fakkaatan, iddoowwaniifi dhaabbilee walga`ii ummataa, manneeniifi manneen jireenyaa, warshaalee yookiin dhaabbilee oomishaa, akkasumas mooraawwan industiriifi daldalli itti raawwatamu ilaalchisee ; yookiin

(b) dhukkuboota keessumattuu dhukkuboota sammuufi daddarboo, golfaafi dhukkuboota beelladaa ittisuuf, jiraachuu isaanii beeksisuu, yaalawwan ittisuuf gargaaran raawwachuu yookiin to'achuu ilaalchisee;

(c) faalama naannoo ittisuuf, dhorkuu, dhaabuu, yookiin walumaagalatti to'achuu ilaalchisee;

seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 831. Waahiyyootaafi Qorichoota Summaa'oofi Adoochan To'achuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 525 tiin haala adabsiisuun ala:

(a) hayyama seera qabeessa malee yookiin ajaja hakiimaa ifa ta'e osoo hin qabatiin biqiltoota, waahiyyoota, qorichoota yookiin oomishoota naarkootiikii yookiin saayikootirooppikii, summaa'oo, fayyaa kan miidhan yookiin fayyaaf balaafamoo ta'an kan biqilche, kan oomishe, kan qopheesse, kan gurgure, gurgurtaaf kan dhiheesse, kan harkaan gahe yookiin kan kenne; yookiin

(b) isaan kana hayyama malee kennuun hin danda'amu kan jedhu dhorkaan ifa ta'e jiraachuu baatullee qorichoota, waahiyyoota yookiin oomishoota akkanaa dambiileen seeraan tumaman yookiin dambiileen hojmaataa barataman barmaatileen gaafatan hordofuu dhabuun namoota itti gaafatamummaa hin qabneef, gaa`ela hin geenyeef, dhukkubsataniif yookiin wantoonni kun akka isaan miidhan yookiin akka isaaniif hin taane ifatti kan beekamaniif osoo beekuu kan gurgure, gurgurtaaf kan dhiheesse yookiin kan harkaan gahe; yookiin

(c) eeggannoo dambiileen, barmaatileen hojii yookiin ogummaa yookiin beekumsi uumamaa gaafatu osoo hin taasisiin, keessumattuu yaaddoon dogoggoruu yookiin borjaaja`uu yommuu jiraatu qorichoota, waahiyyoota yookiin oomishoota akkanaa kan kaa'e yookiin kan gurgure, kan raabse; yookiin

(d) akeekkachiisuun dirqama isaa yookiin kan isaaf danda`amu ta'ee osoo jiruu balaa summeessuu yookiin miidhuu isaan kun hordofsiisan kan inni beeku namoota biroo osoo hin akeekkachiisiin kan hafe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 832 Namni Biroon Akka Ofwallaaluu Yookiin Akka Raata'u Taasisuu

1. Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa /keewwata 532 fi 533/ tiin haala adabsiisuun ala haalli ogummaa isaa akkana akka raawwatu osoo hin hayyamiiniif yookiin kenniinsa waliigalaa yaalaa yookiin qorichaa /barmaatilee raawwii cabsuun/ fudhatamummaa qabaniif haala faallaa ta'een nama biroo shaakala qorannoo

www.abyssinialaw.com

yaalaa yookiin hojmaata yaalaa yookiin barmaatilee dandeettii yaaduu yookiin bilisummaan murteessuu dhabsiisuuf /balleessuuf yookiin jijjiiruuf kan isa saaxile yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

2. Yaaliiwwan yaalaa yookiin gochi ofwallaalchisuu namaa yaalamu to'aachuuf oolu, gochoonni yaada dabarsuu, ergaa fageenyarraa erguu, seeraan hayyamamaniifi bashannana qofaaf taasifaman kan adabsiisan miti.

Keewwata 833. Nyaatawwan, Dhugaatiiwwaniifi Mi'oota Daldalaa Biroo To'achuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 527 fi 528 tiin haalawwan adabsiisaniin ala:

a) nyaatawwan, foon, aannan, dhugaatiiwwan alkoolii yookiin alkoolii hin taane, mi'oota daldalaafi hokaawwan beelladaa kaa'uu, gurguruu, geejjibuu, haala gaariin kaa'uufi qabiinsa isaanii to'achuu ilaalchisee hayyama kenname; yookiin

b) banamuufi cufamuu, adeemsa hojiifi to'annaa manneen daldalaa kan ilaallatu;

seera, dambii yookiin qajeelfama kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 834. Ogummaalee Yaalaa, Fayyisuufi Hospitaalota To'achuu

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 535 fi 536 tiin haalawwan adabsiisaniin ala:

(a) ogummaalee yaalaa, qoricha qopheessuufi raabsuu, yaala beelladootaafi yaala sukkuummaa yookiin humnoota uumamaa fayyadamuun taasifamuufi yaala buusaalee qaamaa tuttuquun raawwatamu dabalatee ogummaalee yaala kanaan walqabatan hojjechuuf hayyamuufi raawwachuu ilaalchisee; yookiin

(b) waahiyyoota qorichaa yookiin qorichoota gurguruu yookiin raabsuu ilaalchisee, yookiin

(c) dhukkubsattoonni deddeebi'anii yookiin hospitaala ciisanii yaalaman kan itti keessummeeffaman iddoo yookiin dhaabbata yaalaa akaakuu kamiyyuu

www.abyssinialaw.com

banuu, kan ilaallatutti beeksisuu, hojii isaa qajeelchuufi adeemsisuu ilaalchisee;

seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan cabse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 835. Dirqama Beeksisuu Raawwachuu Dhabuu

Seeraan dirqamni dhimmoota tokko tokko beeksisuu irra jiraatee, keessumattuu dhimmoota daddarbuu yookiin tamsa'uu dhukkuba daddarbaa, araada baala sammuu adoochuu, dhukkuba beelladootaa, gochoota amala yakkaa qaban yookiin hawaasicha hundaaf balaafamoo ta'an ittisuuf fayyadan hakiimonni, hakiimonni ilkaanii, qopheessitoonni qorichaa, deessistoonni, hakiimonni beelladootaa, akkasumas namoonni dhukkubsattoota akka dhukkubsachiisan seeraan hayyamameef abbaa taayitaa dhimmichi iaallatutti kan hin beeksifne; adabbii maallaqaa qarshii dhibba shan hin caalleen yookiin dubbichi ulfaataa yoo ta'e, yookiin yommuu irradeddeebi`ametti hidhaa mana turmaataan ni adabamu.

Keewwata 836. Hojii Yaalaa Raawwachuu Dhabuu

Bu'uura seera yakkaa keewwata 537 fi 575 tiin haala adabsiisuun ala hakiimonni, qopheessitoonni qorichaa, hakiimonni beelladootaa, deessistoonni yookiin namni biroon ogummaa yaalaa akka raawwatu hayyamameef kamiyyuu nama gargaarsi isaanii isa barbaachisu irratti miidhaan yookiin balaan kan ga'u ta'ee osoo jiruu sababa gahaa osoo hin qabaatiin hojiiwwan yaaluu yookiin qoricha barbaachisu ajajuu, kennuu, yookiin dhukkubsachiisuu osoo hin raawwatiin kan hafan yoo ta'e; adabbii armaan olitti ibsameen ni adabama.

Keewwata 837. Dambii Reeffa Awwaaluufi Gubuu Ilaalchisee Bahe Cabsuu

Namni kamiyyuu reeffa agarsiisuu, awwaaluufi gubuu ilaalchisee seera, dambii yookiin qajeelfama bahe kan darbe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Mata Duree Lama

Badiiwwan Dambii Darbuu Namootaafi Qabeenyota Irratti Raawwataman

Boqonnaa Tokko

www.abyssinialaw.com

Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 838. Tumaa Waliigalaa Hirmaannaa Badiiwwan Dambii Darbuu Mata Duree Kana Jalatti Hin Hammatamne Ilaallatu.

Gochichi bu'uura seera yakkaan yookiin tumaa seera addaa biroon kan adabsiisu yoo ta'e malee, namni kamiyyuu tumaalee addaa seera dambii darbuu kana keessatti ibsameen ala namoota yookiin qabeenya eeguuf seera, dambii, ajaja, qajeelfama yookiin tarkaanfii eeggannoo bahe kan cabse yoo ta'e;

bu'uura tumaalee waliigalaa seera dambii darbuu kanaan adabbii maallaqaa yookiin hidhaa mana turmaataa murtaa'uun ni adabama.

Keewwata 839. Hirmaannaa Jaarmiyaan Namummaan Seeraa Kennameef Badiiwwan Dambii Darbuu Mata Duree Kan Jalatti Ibsaman Keessatti Qabu

1. Itti gaafatamaan yookiin hojjetaan jaarmiyaa namummaan seeraa kennameefii haala hojii jaarmiyichaan walqabateen faayidaa jaarmiyichaa karaa seera alaan adeemsisuuf yaaduun yookiin dirqama seeraa jaarmiyichaa cabsuun yookiin jaarmiyichatti seeraan ala meeshummaan fayyadamuun dambii darbummaan/keewwata 32 fi 34/ seera, dambii yookiin qajeelfama cabsuun tumaalee mata duree kana jalatti ibsaman keessaa tokko yommuu darbu jaarmiyaan mindeesse sun akka dambii darbaatti lakkaa'amee bu'uura seera kana keewwata 752 fi 768-770 tiin ni adabama.
2. Haala armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen badiin dambii darbuu yommuu raawwatamu gahee hojii gaggeessaa hojii jaarmiyichaa keessatti qabu irraa kan ka'een itti gafatamaan yookiin hojjetaan jaarmiyichaa badicha dambii darbuu keessatti hirmaataa ta'e bu'uura tumaalee rogummaa qaban mata duree kana jalatti ibsamaniin ni adabama.

Boqonnaa Lama

Badiiwwan Dambii Darbuu Namootarratti Raawwataman

Kutaa Tokko

Dambiilee Eegumsa Qaamaaf Bahan Darbuu

Keewwata 840. Harka Darbuufi Gocha Humnaa Salphaa

www.abyssinialaw.com

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 560(1)tiin haala adabsiisuun ala:

(a) nama biroo osoo hin rukkutiin yookiin osoo hin madeessiin harka darbuu yookiin gocha humnaa salphaa kan irratti raawwate yoo ta'e; yookiin

(b) nama biroo irratti kosii, wanta jabaa yookiin dhangala'aa jeequ yookiin hooqsisu yookiin xureessu kan gate yookiin kan dhangalaase yookiin kan darbate yoo ta'e;

adabbii maallaqa qarshii dhiba tokko hin caalleen yookiin hidhaa mana turmaataa guyyaa saddeet hin caalleen ni adabama.

Keewwata 841. Reeffa Yookiin Madaa'aa Beeksisuu Dhabuu

Namni kamiyyuu:

(a) abbaa taayitaa dhimmi ilaallatutti osoo hin beeksisiin reeffa daa'ima du'ee dhalatee yookiin du'ee dhalate jedhamee yookiin nama biroo kan dhokse, kan awwaale, bishaan keessatti kan gate, kan gube yookiin haala biroo kamiiniyyuu akka badu kan taasise yookiin reeffa argee abbaa taayitaa jedhametti osoo hin beeksisiin kan hafe; yookiin

(b) sababa ofirraa ittisuun yookiin haala dirqisiisaan nama biroo madeessee yookiin ajjeesee, kanuma abbaa taayitaa dhimmichi ilaallatutti osoo hin beeksisiin kan hafe yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

Keewwata 842. Badiiwwan Dambii Darbuu Bilisummaa Dhuunfaa Irratti Raawwataman

Namni kamiyyuu bu'uura seera yakkaa keewwata 585tiin haala adabsiisuun ala ijoollee gaa`ela hin geenye, nama itti gaafatamummaa hin qabne yookiin hir'ina sammuu qabu yookiin nama seeraan yookiin karaa biroon eegumsa isaa jala jiru dhaabbata mootummaa yookiin dhuunfaa keessa akka galu yookiin to'annoo jala akka oolu yookiin nama jedhame kana dambiin ala yookiin tarkaanfilee eeggannoo seeraan kaa'amaniin haala faallaa ta'een dhaabbata akaakuu akkanaa keessa akka seenu yookiin to'annaa jala akka oolu kan taasise yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataan ni adabama.

www.abyssinialaw.com

Keewwata 843. Mirga Iccitii Dhuunfaa Eeguu Tuquu

Namni kamiyyuu badii inni raawwate salphaa ta'uu isaan yookiin dagannoon kan raawwatame ta'uu isaan adabbii seera yakkaa keewwata 606 jalatti ibsame kan irratti hin murteessisne ta'ee yommuu argamu, iccitii dhuunfaa kan jireenya dhuunfaafi haala jireenyaa yookiin qunnamtii xalayaa nama biroo jalaa kan ibse yoo ta'e;

adabbii maallaqaatiin yookiin hidhaa mana turmaataa guyyaa kudha shan hin caalleen ni adabama.

Keewwata 844. Badiiwwan Salphaa Kabajarratti Raawwataman

